 6. Nuufiis seeneffamni yeroo hundumaa dhuma irratti gaarii kan ta'ee fi hamaa kan ta'e nuti hin himamu. Nutu kan nuu eegnu Waaqayyo kallatiidhaan akkasumas iddo firditti kuta Maacaafa Qulqulluu biraa akka nuu barsiseetti irratti hundoofne murtii kennu (murteessuu) akka dandenyuuf
 7. Seeneffamni hundumtuu kan filatamani fi kan hin raawwatamini dha. Tarreefamni fayyaduu hundumtu yeroo hundumaa hin dubbatamne (Yohaaniis 21:25). Wantii Seeneffamaan ibsame yoo jiraate barreesa yaadan fudhatame nuyii akka beeknuuf bu'a-qabeessa ta'a jedhee kan yaadedha.
 8. Seeneffamooti gaafii barrumsa Waaqayyummaa hundumaa deebisuudhaaf kan barreefame miti. Isaanis qopha qophaa, adda, kaayyoo murta'a qaba. Akkasumas kaayyoo murta'e irratti xiyyafatu, kan biroon bakka biraatti karaa biraan akka argamuuf dhiisu.
 9. Seeneffamooti kun tarii ifatti in barsiisuu (waanta tokko ifatti ka'udhaan) yookaan akka jirutti utuu hin ibsiin (wanta tokko utuu hin ibsiin akka jiruutti ka'udhaan).
 10. Bara dhumaatti Waaqayyo kan hundumaa Macaafa Qulqulluu seeneffama isa guddaa (goota)
- B. Seeneffama hiikuudhaan kan biraa ibsa foyya'ee kan ta'e kan Walter Kaiser's *Toward Exegetical Theology*: dha.

“Kan jecha qulqulluu bifa adda kutaa seeneffamaa kan ta'u yeroo hundumaa barreessaan jechii isa fi gochoolleen isaa namoota seeneffama keessa jiran isa guddaa ergaa amantii isaani akka deemsisaaniif eeyyamudha. Kanaaf nuuf kallatidhaan ibsa kan nuu dhiyeessu irraa jecha isa qulqulluu irraatti akka argamutti seera ittin bulmaataa yookaan kutoolle barsiisuu barreesichi cinaan ta'uus kallatiidhaan barnoota yookaan ibsa qorannoo kennuu irraa of qusata. Bu'aa isaatiis, bifa tarreefamaatiin fayidaa kan inni qabaatu guddaa kan ta'ee galumsa barreefama hubachudha. Kunnis seeneffama wajjiin kan inni wali galuu akkasumas barreessaan kutaa haala murta'ee maaliif akka fayyadame baruu, ifa kan ta'e duraa booda akka kaa'e. Amma akka kanatti hiikaaf lama lamaan ka'umsa kan ta'ani ergaan isaani yeroo qinda'uu fi fillaannoo tarreefamati, haasa yaada keessa galuu, namoota yookaan Ergamoota wanta waliin dha'amee keessatti. Kanaan oliittis namoota kanaani akkasumas haloota irratti kan jiru yaada gocha Waaqayyumma dirqamatti murteessaa ta'uu qaba, barreesichii nama tokkoo yookaan garee murta'e uummatoota kan filataman duraa boodan arii irratti akka ta'anii iyyamuu isaa wajjiin kan wal-qabate, kana jechuun, mataa isaa kennu seeneffamichaa yoo gargar hin kutne (haala kanaan kan Waaqayyoo) kan raawwate keessatti tilmaama isaa” (fuula 205).

- C. Seeneffama keessatti dhugaan kan argamu guutama barreefama dhaabbataa malee tarreefama irratti miti. Barreefamicha qulqulleessuu irraa of eegatan yookaan seeneffama kakuu moofa jireenya mataa ofitiif fayyadama irra oolchu.

IV. Hiikaa sadarkaalee lamaa

- A. Kan Yaahiwee oolchu, gocha ibsa sanyii Abirahamiif
- B. Fedhaa Yaahiwee tokkoon tokkoon jireenya amantoota keessatti (umuri hundumaan)
- C. Xiyyaafannoon kan jalqaba “Waaqayyoon beekuu” (fayyinna) lammaffaan isa tajaajilu (kan kiristaana jireenya amanti, Roome 15:4, 1^{ffaa} Qoronxoos 10:6-11).

ERGAA BARREESSAA: IBSIISTUUN KUN AKKAMITTI SI GARGAARA?

Hiikkaan kitaaba Qululluu walabaafi adeemsa afuuraan kan gargaaramee, yaada barreessitoota durii hubachuunergaan Waaqayyoo akka hardhas hubatamee hojjiirra oolu kan xiyyeeffatamedha. Adeemsi afuuraa baayyee murteessaa garuu moo ibsuufis rakkisaadha. Waaqayyootti of gadhiisuufi banaa ta'u gaafata. Dheebotuu (1) Isaaf, (2) Isa beekuuf, fi (3) Isa tajaajiluuf jiraachu qabu. Adeemsi fedha godhachuu gaafata. Hiikkaa keessatti hojiin afuuraa, guddinaa, kiristaanonni jaboo akka Biroootti waan hubataniif murteessaadha.

Adeemsa walabaa ibsuun salphaadha. Fedha dhuunfaa keenyaa ykn amantii keenyaa jala hingaliin qabiyyee wajjiin ifaafi madaalawaa ta'uun dirqama. Nuyi cufti keenya seenaadhaan haalaan qabamneerra. Eenyuyyu namni hiikkaa qajeelaafi walabaa ta'ee hin jiru. Ibsituun kunis rakkina ilaalcha keenya hiikkaa iratti nu rakkisu hambisuu qajeelcha hiikkaa sadii dhiyeessitee jirti.

Qajeelcha duraa

Qajeelchi duraa seenaa yoomessa kitaabni qulqullu itti barreeffame qabachuufi haala seenaa barreessichaati. Barreessaan ka'umsaa kaayyoofi ergaa dabarfatu ni qaba. Qabiyyeen barreeffamichaa nuyiifi homaa jechuu miti akkuma barreessicha kaka'umsa argatee isa durii, duraa sani. Fedhiin isaa seenaa, miirama, aadaa ufiifi bu'uura keenya miti furtoodha. Hojmaanni cinaacha hiikkaa adda itti hin baanedha, garuu hiikkaan sirrii hojmaata dursuu qaba. Qabiyyeen kitaaba Qulqulluu hiikkaa tokkoofi tokko qofa qabaachunsaa dirqama. Hiikkaan kuni fedha barreessaa kitaaba Qulqulluu jalqabaa hoggansa afuuraan ergaa inni warra hardhaaf dabarsuu barbaadedha. Hiikkaan tokkitiin kun garuu hojumaata hedduu haalaafi aadaa adda adda keessatti qabaachuu ni danda'a. hojumaanni kun dhugaa giddu gala kan barreessaa duraa wajjiin wal dhuguu qaba. Kanaafu, ibsituun qajeelchaa qo'annoo kun kitaaboo kitaaba Qulqulluu tokkoo tokkoof seensa akka ta'uuf qophaa'e.

Qajeelcha lammeesso

1. Barruu Giriik Yunaayiti Baayibil Soosaayiti maxxansa afuraffaa (YBS⁴). Barruun kun hayyoota bammayyaan kan buufaamedha.
2. Hiikkaan Niiw Kiingi Jamsi Vershin (KJHH) aadaa Giriikoota Teekistuu Reseptas jedhamee beekkamuun hiikkaa jechaa jechatti hiikkamedha. Dheerinni buufatasaa hundarra ni caala. Kun ammoo bartoonni qabiyyee gumoofta akka hubatan isaan gargaara.
3. Hiikkaan Niiw Rivaayizdi Isaandard Vershin (NRSV) hiikkaa hammayyaa jechaa jechatti godhamedha. Hiikkoota hammayyaa lameen giddutti wiirtummaa kan uumedha. Hiramsi buufatasaa ijoo baafachuuf baayye gargaaradha.
4. Hiikkaa Tuudeyis Ingilish Vershin (HIH) isa maxxansa Yuunaayitid Baayibil Soosaayiti maxxanseen kan gituu maxxansa addaati. Akkaataan hiikkaa 'saas akkaataa iti dubbistoonniifi dubbattonni afaan Ingilizii bara kanaa itti afaan Giriiki hubachuu danda'aniin kan qophaa'edha. Irra guddessa, keessattu Wangeela, buufaa akkaataa dhimmicharra akkaata isa dubbateen kan hiredha, akkuma NIV. Akkaataa hiiktootaaf hin fayyadu. YBS⁴ fi HIH lameenu buufataan gargar haa ta'an malee maxxansaansaani qama tokko ta'uu hubatamu qaba.
5. Hiikkaan Jerusaalem Baayibil (JB) hiikkaa gita kaatolika Faransaayi kan ta'e hiikka adaati. Kallattii buufata Awurooppaanotaan madaaluuf baayyee gargaaradha.
6. Caafanni kun hiikkaa Niiw Amerikan Sitaandard Bayibil ((NASB) harawaa 1995ti, hiikkaa jechaa-jechatti. Qeeqni lakkoofsa-lakkofsattis buufatatti hordofee jira.

Qajeelcha Sadeesso

Qajeelchi sadeessoo hiikkaa kitaaba qulqulluu adda dubbisudha. Kunis hiikkaa balloo jechoonniifi jechamni kitaabichi qabaachuu danda’u ittiin argachuudha. Yeroo hedduu jechii ykn jechamni Giriiki karaa hedduun ni hubaama. Hiikkaan gargaarii kunis carraa kanaafi barruu Giriiki adda baasuufi ibsuuf gargaare jira. Kun doktiriinii hin miidhu, garuuu duubatti deebinee yaada bareessitoota jalqabaa cufame akka argamu ni gargaara.

Ibsituun kun barataan akka dafee hiikka ofii ilaalu gargaara. Kunimmoo hiikko ta’u miti, garuuu caalatti odeeffanno kennuufi yaada kakaasudha. Hiikkonni Biroo ammoo **ofitoo, dogma’uu fi bu’uuroo** akka hin taanes ni gargaara. Hiiktonni barruun durii hangam takka rakkisoo ta’uu akka hubataniif carraa bal’oo hiikko isaan barbaachisa. Kiristaanoa kitaaba Qulqulluu madda dhugaasaanii godhaan giduu waliigaleen jiru xiqqaachuun rifachiisadha.

Qajeelfamni kun haal seenaa kiyya irra aanee barruu durduriin akkan qasaa’u na dirquun na gargaaree jira. Abdiin kiyyas isinifiis eebba akka ta’udha.

Bob Utley
East Texas Baptist University
June 27, 1996

Qajeelcha dubbifannaa kitaaba Qulqulluu Dhugaa mirkanaaf barbaacha matayyaa

Dhugaa beekuu ni dandeenyaa? Eessatti argamaa? Loojikiin mirkaneessuu ni dandeenyaa? Gonkumaa addunyaa keenya ykn jireenya keenya qajeelchuu kan danda'an ni jirani? Jireenyaaf hiikkaan ni jiaataa? Maaliif as jiraa? Eessawoo dhaqnaa? Gaaffiileen kunneen – gaaffii ummanni walaa gaafatu – gaafa jalqabaa (Lal. 1:13-18, 3:9-11) irraa eegalee sammuu ilma namaa hatee jira. Nin yaadadha jireenya kiyyaaf bikka birmadoo yeroon barbaadaa ture. Dhugaa bahinsa namootaa maatii keenyaaf ta'erratti hundaa'uun kanniin gara kiristoositti goree amane dargaggummaa kiyyatti haguman gaheessa ta'aa deeme, gaaffiin ofiifi addunyaa kanaaf qabu daranu guddataa deeme. Yaadni xixiqqaan aadaafi amantii muuxannoo keessa darbee ykn dubbiseef hiikkoo ta'uu hin dandeenye. Yeroo jeequmsaa, barbaada, imalaafi fuula addunyaa jabduufi miirdhabduun keessa tureetti abdiid dhabummaa turte.

Baayyinni gaaffilee kanaaf debii argachu yaalan, garuu qorannoofi mariin booda deebiin isaanii (1) falaasama matayyaa (2) sheekko durdurii (3) muuxannoo dhuunfaa ykn (4) calaqisa xinsammuu akka ta'e arge. Sabaa jireenya koo, ido birmadoo koo, bu'uura kallati addunyaa irra kaayyadhuu mirkansa, ragaaafi ilaalcha walabaa argachuu na barbaachisa.

Kana qo'anno kitaaba Qulqulluu keessatti argadha. Achumaan ragaa amanamoomaa barbaadu iti fufeen (1) seenaa qabatamaa kitaaba Qulqulluu, arkiyoolojiin mirkanaa'ee, (2) dhugoomsa raajoota kakuu Moofaa. (3) tokkummaa ergaa kitaaba Qulqulluu baroota dhiba kudha jaha keessaafi (4) dhugaa bahinsa namoota jireenyi isaanii walitti dhufeenya kitaaba Qulqulluu jijjiiramee argu danda'e. kiristaanummaan, akka gamtaa amantiifi amantaati, gaaffii walxaxaa jireenyaa wajjin hojjechuuf ni danda'a. Kun ammoo caasaa hojii walabaa qofa miti, amantiin kitaaba qulqulluu ibsamuu danda'u gammachuufi tasgabii naa fida.

Iddoo walaba jireenya koo – kiristoos, akkan kitaabicha keessatti hubadhetti, ta'uu argachuu koon beeke. Sun ammoo muuxannoo buhaara, miirama keessaati. Haa ta'uuti, ammallee waraansaafi hollachiisa hiikkaa kitaaba kanaa irratti yeroo ani eegale, yeroo tokko moo waldaafi mana barumsa tokko keessati yaada gargaaraa kaasee ture ni yaadadha. Ammanamummaafi kaka'insa kitaaba Quqlulluu dhugaa cimsuun isa xumuraa odoo hin taaanee isa jalqabaati. Akkam godheen hiikkaa gargaaraafi walfaalleessaa kitaaba dhugoomsu ykn gatuu ni danda'aa?

Hojmaanni kun galmaafi imala amanti jireenya koo naa ta'e. ni beeka kiristoositti amanuun koo (1) gammachuufi nagaa guddaa naaf kenne. Sammuun koo aadaa koo (dub-hamayoma) keessa gonkoomaaf fagaataa tueera. (2) doogmaatammaa walddhibdee amantoota (amantii addunyaa) fi (3) bu'uroma safu dhabeenya na agarsiiseera. Hikkaa hog-barruu durdurii ayitan barbaadutti, seenaa, aadaa, bu'uromaafi gardhabummaa koo calaqisu arguu kootti ajaa'ibame. Ira deddebi'ee kaniin kitaaba Qulqulluu dubbisu ilaalcha koo utubuufidha. Hanqina koofi dhoksaa koo haguuguuf akka madda dogma godheen ittiin ormaan morma. Kana beekuun hangam dhukkuba koo turedha!

Akkasumas guutummaati mormata ta'u hin danda'au, nama kitaaba Qulqulluu dubbifatu fooyya'a ta'u ni danda'a. gara dhabummaa koo adda baasuufi jiraachusaa beekuun daangeessuu ni danda'a. ani ammallee kana jalaa hin birmadoomne, garuu dadhabinsa koon mormachaan jira. Hiikkaan diina dubisaa kibaata Quqlulluu isa badaadha!

Mee dur tilmaama ani qo'annoo kitaaba Quqlulluu koo keessatti fideen tarreessa, isin dubbistoonnis, ana ajjin ta'uudhaan ni sakkataatu.

I. Durtilmaama

- A. Kitaabni Quqlulluu dhugaa Waaqayyoo tokkicha inni ittiin of muldhise isa muumme ta'uu nan amana. Kanaafuu, ifa fedhii barreessicha uumaa (afuura) karaa namootaa yoomessa seenaa addaa keessaan calaqiseen hiikkamu qaba.
- B. Nin amana kitaabni Quqlulluu namoota gitaa – hundaaf barreeffame. Waaqayyoo nutti dubbachuufi haala seenaafi aadaa keessatti of qabuu jaalate. Waaqayyoo dhugaa hin dhoksu – akka hubannu barbaada! Kanaafuu, akka keenya odoo hin ta'iin ifasaan akka hiikkamu barbaada. Kitaabni Quqlulluu waan warri dura dhagahanii ykn dubbisan hin ta'iin nuyiif hin ta'u. sammuu namoota giddu galaan hubatamuu kan dadna'uufi bifaafi teekinika waliigaltee laafaa namootaatti kan fayyadamedha.
- C. Kitaabni Quqlulluu yaadaafi ergaa gumaa'ee akka qabu nan amana. Kanaafuu, hiikkoon kitaaba Qulqulluu inni hundaan olii kitaaba Qulqulluu mataa isaati.

D. Dubbiffanni kitaaba Quqlulluu (raajooa irraa kan hafee) hundi fedhaafi kaka'umsa barreessicha duraa irratti hundaa'ee ergaa tokkoofi tokko qofa akka qabu nan amana. Hangamu mirkantuu dhumaa ta'uudha baannullee qabxiileen heddu agarsiisan waan jiraniif fedha barreessicha duraa ni beekna.


1. Bifa hogbarruu ittiin ergaa dabarsuuf filatamee
2. Yoomessa fi/ykn haalyeroo barreeffamicha dhangalaase
3. Qabiyyee kitaabilee keessaafi gamtooma hogbarricha
4. Gamtooma qabiyye hogbarichaa gara ergaa guummati
5. Haala giraamara ergicha dabarsuuf faayidaarra oolee
6. Ergicha dabarsuuf jechoota filatame
7. Dubbifata walinfallessine ta'uusaati.

Namoonni qo'annoo kanaas kaayyoo qo'annoo bareeffama kanaa nuuf ta'e. Odoon mala dubifata kitaaba Qulqulluu gaarii kiyya hin eriin dura mala hin mallee bara kana keessa namoonni itti fayyadamanii garagaraafi dhabamuu qabuun waa jedhe.


II. Mala hin mallee

- A. Qabiyye hogbarru kitaabilee kitaaba Qulqulluu tuffachuufi jecha, jechamaafi tokkoon tokkoo himaa akka dhugaa guufuutti sanuu akka fedha barreessichaafi ergaa waliigalaan waliin simnetti fayyadamuu.
- B. Seenaa yoomessa kitaabichaa cinatti dhiisuun durtilmaama seenaa yoomessaan bakka buusuun sanu isa faayidaa xiqqo ykn homaawu hin qabnetti fayyadamu.
- C. Seenaa yoomessa kitaabichaa dhiisuuniifi akka gaazexaa magaalaa namoota kiristaana hammayyaa ganama ganama bitamee dubbifamuuti dubbisuuf.
- D. Fedha barreessicha ykn dhaggeeffattoota duraati hin simneen ergicha akka ergaa falaasamaa/tyooloojiitti fudhachuun seenaa yoomessicha tuffachuu.
- E. Ergaafi yaada barreessicha jalqabaatti kan hin simne dhimma baraa, doktiriina ykn mala tiyoolojii mataa ofii bikka huusuun ergaa duraa tuffachu. Adeemsi kun dubisa kitaaba Qulqulluu duraa akka aboo abba dubbiitti lafa kaa'a. Kun ammoo nuyiif akka "deebii dubistootaa" ilaalama. (qabiyye jechun anaaf maalajechuudhaa" hiikkaa)

Waliigaltee namootaa hunda keessatti ijoowwan sadii walsimatan ni muldhatu.



Bara durii, teekinikoonni dubisaa ijoo sadan keessaa isa tokkootti hirkatu turani. Garuu dhugumatti fedha addaa kitaaba Qulqulluu mirkaneessuuf, gabateen haaromfame baayyee gaariidha.



Isa dhugaatti ijoowwan sadanuu adeemsa hiikkaa keessatti dabalammuu qabu. Ifa gochuufis, hiikkaan koo lameen duraa irratti xiyyeeffate: barreeffama ka'umsaafi qabiyyee. Feetuu badiin argarratin dubbadha. (1) ciiguu ykn afuuressuu qabiyyichaafi (2) "deebii dubbisaa" hiikkaa (anaaf maal jechudha) badiin sadarkaa hundatti

muldhachu ni danda'a. Yeroo mara miira, garadhabummaa, teekinikaafi hojmaata keenya sakatta'uu nu barbaachisa. Garuuu yoo waagaan, daangaafi xumurri hin jirree akkamiin sakatta'uun nuu danda'amaa? Iddoon kun iddooti fedha barreessaafi caasafamni qabiyyee iti waagaalee gam tokko ittiin daangaa hiikkoodha akkan lafa kaayadhu na gargaaredha.

Ifa teekinika dubbisa hin malle kanaan, firoomsaafi ibsii hiikkoofi dubbisa kitaaba qululluu gaariitti dhiyaachu danda'amu maalfa'ii?

III. Itti dhiyeenya dubbisa kitaaba Qulqulluu gaarii

Sadarkaa kanatti ani bifa teekinikaa hiikkoo addaa mariisiisuutti hin jiru, qajeelcha qabiyyee kitaaba Qulqulluu waliigalaa malee. Itti dhiyeenya bifa addaa kitaaba gaariidha. Kitaaba *“How to Read The Bible For All Its Worth”* jechuun Gordon Fii fi Doglaas Sitaartiin barreeffamee Zondarvaaniin maxxanfamedha. Jalqaba irratti toftaan koo kaniinni xiyyeeffatu dubbistoota marsaa dubbisaa afran keessaan afurrii Quqlulluu, kitaaba Qulqulluu akka isaanii ibsu ofirratti hayyamanidha. Kunimmoo afuuricha, dubbisaafi isa dubbifatu dursaa malee lammeessoo hin taasisu. Kunis darbee isa dubbifatu sana akkanni hacuuccaa ibsitootaa jalatti in kufne tiksa. “Kitaabni Quqlulluu xiyyaa ifaa hedduu ibsitootarratti ni darbataa “jecha jedhu nin dhagaha. Kun garuuu qeeqa gargaasa qo’annoo irrattif godhamu gatii dhabsiisu miti, garuuu yeroo sirrii itti fayyadamasanii gaafata malee.

Hiikkaa keenya ragaaalee barreeffamicha keessaan deeggaruuu qabna. Naannooleen shaman ibsa gabaabo kennu

1. Barreesaan ka’umsaa
 - a. Seenaa yoomessaa
 - b. Qabiyyee hogbara
2. Filannoo barreessaa ka’umsaa
 - a. Caasaa giraamaraa (syntax)
 - b. Ittifayyadama hojii baraa
 - c. Bifa
3. Hubannoo keenya sirrii
 - a. Dubbisa qixaa fudhatamaa

Sababaa fi deemsa haasawaa hiikkoo keenya duubaan jiru dhiyeessu danda'uu qabna. Kitaabni Quqlulluu muuxannoo fi madda amantii keenyaati. Wanti gaddisiisaa, waan inni barsiisuufi mirakaneessu irratti kiristaanonni irra deddeebi’anii waliigaluu dhabuusaaniiti. Kaka’umsa kitaaba Qulqulluu komachuuniifi warra waan inni gaafatuufi barsiisu irratti waliigaluu hin dandeenye amantoota haarawaaf mohinsa.

Marsaan afran dubbisaa ilaa hiikkoo armaan gadii agarsiisuuf wixnaa’ani.

A. Marsaa dubbisaa duraa

1. Takka gadi ta’aa kitaabicha dubbisaa. Hiikka Biroon ammoo irra deebi’aa, yaada hiikkaa Biroon
 - a. Jechaa – jechatti (KJHH, NASB, NRSV)
 - b. Gitaan addaan (HIH, JB)
 - c. Paraaphireezii (kitaaba jiraataa, kitaaba dagaagaa)
2. Yaada wiirtuu bareeffamaa ilaala. Qabiyyee adda baafadha.
3. Qabiyyee ykn yaada wiirtuu kana sirriitti ibsu jecha, jechama, himaafi boqonnaa (yoo danda’ame) adda baasaa.
4. Bifa hogbarruu ulfaatoo adda baasaa
 - a. Kakuu Moofaa
 - (1) Barreeffama Ibrootaa
 - (2) Walaloo Ibrootaa (hogbarru safii, farfannaa)
 - (3) Raajii Ibrootaa (haasa’a, walaloo)
 - (4) Seera tuma

B. Kakuu dubbisa lammeesso

1. Keessa deebi’aa kitaabicha dubbisaa, mata duree ykn qabxii adda baasuuf ilaalatuma.
2. Hima salphaa ta’een qabiyyee maa duree ibsaa bareessuuf yaalaa.
3. Gargaarsa qo’annooti fayyadamaati yaada dubbicha sakatta’aa babal’isaa tarreessaa

C. Marsaa dubbisaa sadeessoo

1. Ammas deebisaa dubbisaa, kitaabuma Qulqulluu keessaa haala seenaa yoomessaa barreessa adda baasuu akka isin dandeechisuuf.

2. Qabxiwwan seenaa kitaaba Qulqulluu keessatti tuqaman tareessaa.
 - a. Barreessaa
 - b. Guyyaa
 - c. Argataa
 - d. Sababa addaa barreessicha
 - e. Haala yoomessa aadaa yaada barreeffamichatti firoomu
 - f. Ragaaaleefi namooa seenaafi tuqachiisa.
3. Kartuu keessan gara kutaa kitaaba Qulqulluu hiikkaa jirtaniifi buufaticha babal'isuu. Yeroo mara boqonnaa barruu jala murani adda baasuudha. Kun buufaafi boqonnaa heddumeessu ni danda'a. kun fedha barreessicha ka'umsaafi deemsa loojiki akka hordofamu ni gargaara.
4. Gargaartu qo'annooti fayyadamuun seenaa yoomessaa sakatta'uu

D. Marsaa dubbisaa afreessoo

1. Boqnaa barruudha hiikkaa gargaaraa irraa deddebi'anii dubbisuu
 - a. Jecha-jechatti (KJHH, NASB, NRSV)
 - b. Gita addaan (HIH, JB)
 - c. Paaraaphireesii (kitaaba jiraataa, kitaaba dagaaga)
2. Caasaa giraamararaa ykn barruu ilaali.
 - a. Jechama irra deddebi'o, Ef. 1:6, 12,13
 - b. Caasaa giraamara irra deddebi'oo, Rom. 8:31
 - c. Qabiyye mormisiisaa
3. Qabxiilee armaan gadii tarreessu
 - a. jechoota barbaachisoo
 - b. Jechoota hin baramne
 - c. Caasaa giraamara barbaachisaa
 - d. Jechoota, jechamaafi himoota rakkisoo
4. Dubbifata qixaan firoomu ilaaluu
 - a. Ittifayyadama dhima kee irratti dubbisa barsiisa kee qulqulluu ilaaladhu.
 1. Kitaaba malmaltu tiyoolojii
 2. Tuqachiisa kitaaba Qulqulluu
 3. Tartiiba jechoota
 - b. Dhimma kee keessati warra warra wal hinfakkaane fakkaatan ilaali. Dhugaan kitaaba Quqlullu hedduun cimsii wala'insaan jiran, mormiin bu'orama heddu kan dhalatan muddama dhugomsabarruu kitaabicha irra kan ka'e ture. Guutuun kitaaba Qulqulluu afuuraan kaa'ame, kanaafu hiikkaa madaalawaa barruu argachuuf ergaa guutammaa soquu qabna.
 - c. Kitaabuma tokko keessatti walmaddii barreessaa, ykn bifaa, ilaali, sababnisaa kitaaba Qulqulluuf barreessaan isaa tokkichuma, afuura Quqlullu.
5. Haalaafi yoomessa seenaa argite sakatta'uuf gargaartuu qo'annooti fayyadami.
 - a. Qoa'nnoo kitaaba Quqlulluu
 - b. Guuboo jechootaa, kitaaba qajeelchaafi Insaayikilopidiyaa kitaaba Quqlulluu
 - c. Seensa kitaaba Qulqulluu
 - d. Ibsituu kitaaba Qulqulluu (qo'annoo kee sadarkaa kanaa irratti akka qo'annoo kee siif sirreessaniif hawaasa amantootaaf carraa godhi).

IV. Hojmaata hiikkoo kitaaba Qulqulluu

Sadarkaa kanatti gara hojmaataatti deebina. Barru yoomeessa ka'umsaan hubachuuf yeroo fudhateerta, amma aadaafi jireenya kee keessatti dhugomsuu qabda. Ani aboo kitaaba Qulqulluu akka "hubannoo ergaa barreessaa kitaaba Qulqulluu ka'umsaa bara sanaafi hojmaata dhugaasaa bara kanaa" ti hiikeera.

Hojmaanni hiikkootti fedha barreessa ka'umsaa yeroofi loojikiitti aanee dhufuu qaba. Hanga gaafa bara isaati inni jedhu beeknutti dubbisa kitaaba Qulqulluu hojiirra oolchuuf hin dandeenyu! Dubbisni kitaaba Qulqulluu waan hin jedhamne jechuu miti.

Baafanni, sadarkaa buufataatti (marsaa dubisaa # 3) gadi bu'ee jiru qajeelcha keeti. Hojmaanni sadarkaa buufataatti, malee sadarkaa jechaatti tolfamu hin qabu. Hiikkaan jechootaa sadarkaa barruutti, hikkaan jechamaa sadarkaa barruutti, hiikkaan himaa sadarkaa barruutti ta'u qaba. Hiikkaa keessati hiikkaan afuura barreessa

ka'umsaa qofadha. Ibsa afuura qulqulluun hoggansa isaa horfofna. Ibsaan garuuu afuuruu jechuu miti. Waa jechuudhaaf “Gooftaan isiniitti hima” jedhe fedha barreessaa ka'umsaaf abbomamuu qabna. Hojmaanni fedha barreeffama waliigalaa, boqonnaa barruu addaafi dagaaga buufatatti firoomuu qabu.

Dhimmoonni bara keenyaa akka dubbatan odoo hin taane, akka kitaabicha keessaa akka baafannu nu godha. Yoo barruun qajeelfama kana ni deggera ta'e fudhatama argata. Yeroo hedduu qajeelfamni keenya matumasaa qajeelfama “kenya” – malee qajeelfama barruu miti.

Kitaaba Qulqulluu hojmaatessuurratti raajootaan alatti) barrichaaf hiikkaan tokkoofi tokko qofti akka sirrii ta'e beekuun barbaachisaadha. Hiikkaan isaas fedha barreessaa ka'umsaa gaafa saniitti firmudha. Hiikkaa Tokkotti kana irraa hojmaanni hedduu bahuu ni danda'a. Hojmaatichi fedhii argataa irratti bu'uraa, garuuu fedha barreessaa ka'umsaati firommuu qaba.

V. Kallatti hiikkaa afuuraa

Hanga ammaa adeemsa loojikaafi barreeffamaa hojmaataafi hiikkaa ibsaa tureera. Amma ammoo kallattii hiikkaa afuuraa ibsuu yaala. Tartibni sakatta'a armaan gadii anaaf gargaarsa ni qaba.

- A. Kadhaa gargaarsa Afuura Qulqulluu (1 Qor 1:26-2:16)
- B. Kadhata dhiifamaafi dhiqama cubbuu beekkamaa dhuunfaaf godhamu (1 Yoh. 1:9)
- C. Kadhata fedha guddaa Waaqayyoon beekuuf godhamu (Far. 19:7-14, 42:1ffa; 119:1ff)
- D. Ilaa toltuu jireenya keetti dabalii
- E. Gadjechuufi barsiisu danda'urra turi.

Hoggansa Afuuraa Afuura Quqlulluufi deemsaa loojikaa madaallii jiru eeguun guddaa rakkisaadha. Kana lameen walmadaalchisuuf waraabi kun na gargaare.

- A. Scripture Tmisting, James W. Sirerra ful 17-18 “Itti gara sammuu namoota Waaqayyooti dhufe – gara warra Afuuraa muraasa miti. Kiristaanumma kitaaba Qulqulluu keessatti gartuun beekkamo, ibsituuniifi ummanni hikkaan qixaa keessa dhufe jedhaman hin jiran. Afuurri Qulqulluu kennaa addaa ogummaa, beekumsaafi hubannoo kennullee garuuu inni abbootii hiikkoo sagaleesaa kiristaanoota ol bahan hin ramadne. Barachuun, murteessuuniifi hubachuu hanga saba isaati, kitaaba Qululluuti hirkachuun, warra Waaqayo dandeetti addaa isaanii kennellee ta'an. Waliti qabuudhaaf tilmaamni ani kitaabicha irrati godhadhe kitaabni Qulqulluu dhugaa Waaqayyoo namootatti muldhisedha, aboo nuyi waan inni dubbatu hundarratti qabnudha, sunis ajaa'iba gararraa odoo hin taanee waan namoota aadaa gargaraan hubatamu danda'udha.
- B. Kitaaba “kiyeerkigaard protestant biblical interpretation” ful. 75 jedhu keessatti. Akka kiyeerkigaardifi qo'annoon giraamaaraa laaksilaalaafi seenaa kitaaba Qulqulluu barbaachisaadha, garuuu dubisa dhugaa kitaabaa dursuu qaa. “Akka sagalee Waaqayyooti kitaaba Qulqulluu dubbisuuf namni tokko afaaniifi lapheesaatiin, qeensa qubaan, eegumsa dammaqinaan, haasa'a Waaqayyoo keessatti dubbisuu qaba. Kitaaba Qulqulluu akka qalbi dabinsaati, ofumaan ykn yaroominaan, ykn ogummaan dubbisuun akka dubbisa sagalee Waaqayyoo hin ta'u. Akkuma namni xalayaa jaalalaa dubbisutti sagaleen Waaqayyoo dubbifamuu qaba.
- C. Kitaaba H.H Rowleey, The Relvance of Bible ful. 19 jedhu keessati moo “Hubannoon beekumsaa hayyoomaa kitaaba Qulqulluu hangamu guutuu, hunda qabatee hin jiru. Hubanno guutuuf barbaachisaa waan ta'eef hubannoo akkanaa gad buusuuf miti. Yoo guutummaa kitaabichaaf kan ta'u ta'e garuuu gara hubannoo afuuraa qabeenya afuuraatti qajeelchuu qaa. Akkuma kana hubannoo afuuraa dammaqina hayyoomaa daran caaluu barbaachisa. Wantoonni afuuraa afuuraan murtaahu, kanaaf bartoonni kitaaba Qulqulluu amala argataa afuuraa, akka isaanitti of ibsuuf fedha Waaqayyoo, qabaachu qabu akkaqo'annoo saayinsiin duuba darbani gara dhaala duuroma qabeenya kitaaboota isaa gurguddooti darbuudhaaf.

VI. Mala ibsiituu kanaa

Ibsituun qo'annoo kanaa kan qophaa'e deemsa hiikkaa kee bifa armaan gadii akka ta'uufidha.

- A. Seenaan ifaa kartuu kitaabbilee ni agarsiisa. “Marsaa dubbisaa # 3” eegi tolfateen booda odeeffanno kana sakatta'i.
- B. Ilaan barruu jalqaba boqonnaa hundaratti ni argama. Kunimmoo caasaa boqonnaa barruu akka ilaaltusi gargaara.

- C. Jalqaba boqonnaa ykn barruufi hirtaan buufataafi kaptioniin ibsaaf tolu hiikkaa hammayyaa adda adda irraa kenname jira.
1. Barruu Giriik, Yunaayitid Baayibil Soosaayitii maxx4 (YBS)
 2. Niiw Ameerikaan Sitaandaard Baayibil, 1995 fooyya'e (NASB)
 3. Niiw Kiingi Jemsi Vershini (KJHH)
 4. Niiw Rivaayizdi Sitaandaard Vershiin (NRSV)
 5. Tuudeyis Ingilish Versiini (HIH)
 6. Jeruusaalem Baayibil (JB)

Hiramsi buufata kaka'umsaan miti. Barruurraa mirkanaa'e. Hiikkaa hammayyaa adda addaa kallattii tiyooriifi tiyoolojii adda addaan walbira qabuun ilaalcha barreessaa ka'umsa tilmaame xiinxaluu ni dandeenya. Buufanni tokkoon tokko dhugaa jabaa tokko ni qaba. Kunis "hima, matoomaa" ykn "yaada wiirtuu barruu" jedhama. Ilaalchi gamtooma kun furtuu hiikkaa giraamaraafi seenaa qixaaati. Namni tokko waan buufataan gadiin, hiikuu, lallabuu ykn barsiisuu hin danda'au. Buufanni kamuu akka firooma buufatoota olla jiraniin qabu dagatamuu hin qabu. Kanaafi barbaachisummaan kartuu kitaabichaa sadarkaa buufataa barbaachiseef. Nuyi yaa'aa loojika dhimmicha barreessaa ka'umsaa duraan gahuuf danda'u qabna.

- D. Hikkaan yaadannoon Bob lakkoofsa – lakkoofsatti. Kun ammoo ilaalcha barreessaa ka'umsaa akka hordofnu nu dirqa. Yaadannichi odeeffannoo gama hedduu kenna.
1. Qabiyyee barruudhaa
 2. Ilaa aadaafi seenaa
 3. Odeeffannoo giraamaraa
 4. Qo'annoo jechootaa
 5. Dubbisa walmaddi fayyadan
- E. Ibsituu keessatti sadarkaa ta'etti, maxxansi Niiw Ameerikaan Sitaandaard Kershini (haarofni 1995) hiikkaa hammayyaa hedduun deeggeramee jira.
1. Niiw Kingi Jemsi Vershini (KJHH) barruu "Tekistus Resiptas" jedhu duuka bu'eeti.
 2. Niiw Rivaayizdi Sitaandaard Vershini (NRSV) isa jecha – jechatti kaawunsila waldaale iyyaalessa irraa gargale.
 3. Tuudeyis Ingilsh Vershin (HIH) isa Ameerikaa Baayibil sosaayiti irraa gitaan gargale.
 4. Jeruusaaleem Baayibil (JB) isa hiikkaa Kaatolika Faransaayii irratti bu'uuraa'ee Ingiliffaatti hiikkame.
- F. Warreen afaan Giriik dubbisuu hin dandeenyeef rakkoo barruu irratti isa mudatu madaalee adda aasuuf afaan Ingiliffaan fayydamuun isa tola.
1. Garaa garuummaa barruuwwanii
 2. Hiikkaa jechootaa filatamoo
 3. Caasaafi barruu giraamara rakkisoo
 4. Barruu jeeqamoo
- Yaata'uti hiikkaan Ingiliffaa rakkoo kana hin furiin malee, akka iddoo gadi fagoofi qo'annooti iyyeeffatu.
- G. Xumura boqonnaa hundaa irratti gaaffileen marii kaasan barbaachisoo ta'an kaa'amanii jiran. Isaaniis yaada hiikkaa muumme ta'an irratti xiyyeeffataniiti.

SEERA UUMAMAA 11:24-13:18

- A. Kutaan ittiin seensi Seera Uumamaa kun kara Abrahaam dubbii karaa masiichaatiin egala.
- B. Boqonnaan shanttamaan Seerri Uumama kun uumama irratti osoo hin ta'in Waaqayyo saba kakuu isaa furuu irratti kan hundaa'e dha. Hunduumaa waamuuf nama tokko waamuun ijoo kitaabichaatti.
- C. Abrahaam dadhabbiisaatiif akkasumas amantiisaatiin ilaalama. waqnni filannoof araara kaayyoo baayyinasaaatiinf isuuma waame.
- D. Waaqayyo addunyaa filachuuf jecha Abrahaamiin filate (Uma12:3 Bau19:4-6, 2Phe 2:5, 9, Mul 1:6) Waaqayyo akka bifa isaatti namootnni uumamaan hundi akka baayyannu barbaada (Uma, 3:15, his, 18:23-32, 1xim 2:4, 2phe, 3;9)
- E. Taalmuudiiin waamama Abrahaam karaa eebba torban ifaa godha.
 1. Abrahaam abbaa ummata baayee ta'a
 2. Bara jireenya isaa guutuu eebifamaa ta'a
 3. Maqaan isaa guddaa ta'aa
 4. Namoota biraaf eebba ta'a
 5. Isa kan kabajan nii eebifamu.
 6. Isa kan jibban abaaramoo ta'u.
 7. Dhiibbaa inni namoota biraa irratti qabu walii gala adunyaa ta'a
 - 8.

Qo'annoo jechaaf hima

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa 11:24-25

²⁴Naahor dhalatee waggaa digdamii sagalitti Taaraa dhalche; ²⁵Taaraan erga dhalatee booddee, Naahor waggaaadhibbaa fi kudha sagal jiraatee, ilmaanii fi intaloota biraas in godhate.

11:24 “**Taaraan**” Taaraan (BDB 1076) jechuun “booddeettii hafu” ykn “arii’ amuu ta’uu ni danda’a Iyaasuu 24:2 irratti isaaf maatiin isaa waaqayyolii biraatiif akka hojjechaa turaan ifa. Maqaan maatii isaa akka mul’isuun ji’a Ziin jedhamtu keessumattuu waaqayyolii durbaa ijoodhaa akka waaqessan agarsiisa. (12:4 irra kan jiru mata-duree addaa ilaala) isheen Uuritti, Teemaa fi Kaaraan keessatti ni waaqefamti turtee. Garuu Uma, 31:53 inni waa’ee YHWH akka beeku in agarsiisa ture.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa 11:26

²⁶Taaraan dhalatee waggaa torbaatamatti Abraam, Naahorii fi Kaaraan dhalche.

11:26 “**Abraam, Naahorii fi Kaaraan**” “kun tarii uumarii osoo ta’iin tartiiba barbaachissummaa isaaniitti. Maqaan Abrahaam jedhu (BDB4) (1) “abbaa oljedhaa (2) “abbaa olnaqabu” (3) “kan gubbaatiol jedhe” abaa koo dha “jechuu ta’uu ni danda’ama naahor maaqaan jechuu “kurruufu” ykn akka assooranootatti iddoo malee ta’u nii danda’a kaaraan jechuun garuu “garaa kan bu’u” jechuu dha.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa 11:27-30

²⁷Hiddi dhaloota sanyii, Taaraa kanatti fufee in, lakkaa'ama; Taaraan isa Abraamin, Naahorin, dhalchee dha; Kaaraan immoo isa Looxin dhalchee dha. ²⁸Kaaraan biyya itti dhalate, Ur biyya Kaldootaatti abbaa isaa Taaraa dura in du'e. ²⁹Abraamiifi Naahor niitii in fuudhan; maqaan haadha manaa Abraam "Saaraayi", maqaan haadha manaa Naahor immoo "Miilkaa" ture; Miilkaan intala Kaaraan; Kaaraan kun immoo abbaa Miilkaa fi Yiiskaa ture*. ³⁰ Saaraayi dhabduu turte, mucaas hin godhanne*.

11:27 25:12, 36:19, 37:2 irratti yaaddannoo jiru ilaala.

11:28 “Kaaraan biyya itti dhalate, abbaa isaa Taaraa dura in du'e” kun Kaaraan abbaa isaa duratti du'uun aadaa ibraanotaatti. **“Ur' kaldonii”** aadaa kaldotaatti nii guddattee (fknf aadaa Sumaraa jabina irratti kan hundaa'ee ture) yeroo Abrahaam booda.

11:29 “fi Yiiskaa” Ishiin kun (BDB 414) fi kun kutaa kana keessatti sababni maqaan ishee caqafanmee hin beekamu. Beektonni (dabalataan yooseefas jaroom fi, awugstiin) Saaraayi dha jedhu garuu bareeffamichi abbaa gara garaa akka qaban miirkaneesa.

11:30 “Saaraayi dhabduu turtte” mucaa dhabduu saaraayi, raaheeliif ribqaa YHWHn human isaa agarsiisuuf seenaa namootaaf hiddi sanyii namootaa aangoo isaa jala ta'uu saaf karaa inni itti fayyadamu keessaa isaa tokko ta'uu isaa agarsiissa bu'aan walquunnamtii saalaa qomoo maasiichaf furtuu kan ta'ee, barbachisaa kan ta'e miti.

Seena Israa'eelootaaf kun tokko kan ta'e seera dhimmi barsiisa hafuura kara ilma kur gonkumaa itti gaafatama maatii ta'u dhabuu keessatti dabalataan ilaalameera (fknf karaa masii dha) Akka beekamummaatti gegeessaa qomoo kur ture, garuu ummata YHWH gidduutti akkas hin turre. Inni filannoo mataa isaa tii ture.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa 11:31-32

³¹Taaraanis Abraamin ilma isaa, Looxin ilma ilma isaatii ilma Kaaraan, Saaraayin haadha manaa Abraam ilma isaatii fudhatee, walii wajjin Ur biyya Kaldootaatii ka'anii gara biyya Kana'aanitti qajeelan; garuu biyya “Kaaraan” jedhamu yeroo dhufan achuma taa'an. ³²Taaraan waggaa dhibba lamaa fi shan jiraatee, Kaaraanitti in du'e.

11:31 “walii wajjiin qajeelan” Abrahaam maatii isaa fuudhee qajeeluu isaafi ykn taaraan maatii isaa fudhee Ba'uu nsa mani baayee qabatee. Kabroon Waaqayyo Taaraan akka waamee garuu inni gara waaqa tolfamaatti akka deebi'e agarsiisa. Annatti akka fakkeenyaattuu waluumaa galatti qabiyyeen kutichaa Taaraa irratti osoo hin ta'iin Abrahaam irratti dha. Abrahaam biyya Uriin dhiisuudhaan maatii isaa qofa kan dhiise osoo hin ta'iin itti dabalataan waaqolii maatii isaa hunda dabalateetii. Karaa dhoksaatiin isatti kan dubbate Waaqayyo duukaa bu'uuf jecha jireenya gaariif tasgabbaa'aa dhiise.

11:32 “Taaraan waggaa dhibba lamaaf shan jiraatee” namni tokko 11:26 keessatti baroota jiran 12:4 keessa kan jiru irratti kan ida'u yoo ta'ee waggaa 145 yomuu taa'uu akkasumas 205 irraa yoo hir'isee Abrahaam kaaraanii erga ba'ee booda Taaraan waga 60 akka jiraate ifaa dha. Kun HoE7:4 irratti kan argamuu lallaba Isxiifanosii wajjin kan walii faalleessuu fakkaata seenaan Isxiifanosii baayyeen hubannoon nuhii Kakuu Haaraaf qabnu wajjin wal-faallesaa. Tarii inni hiika warra Raabiyaanotaa fudhatee ta'a kaan immoo Abrahaam yeroo jalqabaa 11:26 irratti waan caqafameef sanaan booda waan dhalateef Isxifaanos sirrii ta'uu isaa hubachiisu.

SEERA UUMAMAA 12

HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

NASB	NKJV	NRSV	NET	NJB
Abrahaam Gara Gibxii deemuu	Waadaa Abrihaam	Waamicha Waaqayyoo Abrihamiif	Waamicha Waaqayyoo Abrihamiif	Waamicha Abrihamf
12:1-3 (1-3)	12:1-3 (1-3)	12:1-3	12:1-2 (1-2)	12:1-3 (1-3)
12:4-9	12:4-9	12:4-9	(3) 12:4-5a	12:4-5
12:10-16			12:5b-9	12:6-9
	Abrihaam Gibxitti	Saraan balaa irra (12:10-13:1)	Abrihaam Gibxitti	Abrihaam Gibxitti
12:17-20	12:10-13 12:14-20	12:10-16 12:17-13:1	12:10-16 12:17-20	12:10-20

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula vii irraa)

SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

QO'ANNOO JECHAA FI GAALEE

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa 12:1-3

¹Waaqayyoo gaaf tokko Abraamiin, “Biyya kee keessaa, lammii kee keessaa, maatii abbaa keekeessaas ba'iitii gara biyya ani si argisiisuu dhaqi ²Ani saba guddaa sin godha, sin eebbisa, maqaa kee nan guddisa, eebbas in taata*³Warra si eebbisan nan eebbisa, warra si salphisnan nan abaara, qomoon biyya lafaa irraa hundinuu sababii keetiif in eebbifamu” jedhe.

12:1-3 Waa'ee jechama Ibra dubbii dacha yookiin ciigoo (poetry) fi ololoo (prose) "olkaafamaa" gidduu garaa garummaa jiru ibsuuf yeroo hundaa rakkisaa dha. Bareefamaa kan jiruu afaan ingiliffaan hiikaa adda addaa irraa ilaalama.

NASB/NKJV JPSOA NRSV TEV/NJB/REB/NIV

Ciigoo 1b-3 1 3

Ololoo 1a 2-3 1-3 1-3

Duguumaan ibsa bareeffamaa hin qabu, garuu yaada koree hiiktotati malee

Waraabbilee kunniin (lakkoofssoni) boqonnaa itti aanu keessatti irra deddeebii'amaniiru ibsa xiqoof sirriin godhameeraaf, garuu bareeffani inni kun jalqaba kakuu guddaa Waaqayyo yommuu ta'u, Ergaa phawuloos Gara warra Romboqonnaa afur irrattii itti fayyadameera (jechoota uumama, 15:6) yaahiween Abrahaamiif qomoo isaa keessan mataa isaa ibseera / mul'iseeraa adunyaa hundaa keessatti kakuun (13:15 keessatti mata-duree addaa ilaali) ijoo dubbi kitaabaa / Maacaafa qulqulluu ta'eera. Hundaa kan Waaqayyon isa jalqabsiisee ajandaa isaa kaa'eera, garuu namoonni karaa seeraa fi itti fufiinsa ta'een deebii akka itti kennan aangoo kenneera.

12:1 "Amma" "amma" fi jecha" karaa lakkoofssa lamaanii kan kaa'ame karaa warra hiiktotaatiin, isaanis, lakkoofsson kun kan isaan mul'issan duratti Waaqayyo biyya, Ur keessatti waamicha isaanii godhe kan agarsiisu dha jedhanii amanu (Uma, 15:7, HoE, , 7:2, Nah, 9:7)

"Tooftaa "kun YHWH dha. kakuu maqaa Waaqayyo (Bau, 3:14)Waamichi kun kan irratti hundaa'ee ayyaana Waaqayyon waamichaan guutamee dha malee tattaaffii Abrahaamiin miti (2ak, lakk, 10) Waaqayyo yeroo hundaa jalqaba isa hin fudhata (yoh. 6:44, 65, efe, 2:8-9).

Mata duree addaa: Maqoota Waaqayyoodhaaf THE NAMES FOR DEITY

A. *EL* (BDB 42:KB 48)

1. Ijoon dubbii jecha durii kanaa hiiki sharbee (generic) waan sirriitti beekamaa hin qabu, beektonni heedduun kan inni dhufe hunde jecha warra Akaadidaa "jabaa" "human qabeessa" kan jedhu irratti jedhanus Uma 17:1; Lak. 23:19; Kes. 7:21; Far. 50:1).
2. akka jecha afaani seenaa kana'aanootaan Waaqni guddaan *El* dha (Baareeffamoota raas shaamraa)
3. Macaafa Qulqulluu keessatti, *El* yeroo baayyee jechoota biraa walitti hin makamu Walitti makiinsi kun karaa amala Waaqayyoo itti hubatamaa ta'eera.
 - a. *Eeli-Iliyyoon* (Waaqayyo isa hunduumaa gararraa jiru, BDB 42 fi 75:11) Uma 14:18-, Kes, 32:8, Isa 22 14:14
 - b. *Eel-rooy* ("Waaqa argu "ykn Waaqayyo ofiisaa mul'isuu, "BDB, 42 fi 909), una 16:13
 - c. *Eel-shaadaay* (Waaqayyo hunduumaa danda'uu "ykn waaqa tolaa garalaafeessa "waaqa gara "BDB 42 fi 994) Uma 17:1, 35:11, 49, Ba'u., 6" 3)
 - d. *Eel-olaam* (Waaqayyoo bara baraa, BDB 42 76) Uma 21:33 jechi kun karaa barnoota hafuuraatti abdiin Daawitii waliin wal qabatee jira II Sam. 7:13, 16
 - e. *El-Berit* ("Waaqayyo kakuu, "BDB 42 fi 136) Abo, 9:46
4. *El* kan inni wal-qabsiisame
 - a. YHWH Far, 85:8, Isa, 42:5
 - b. Eelohiim, Uma 46:3, Iyo, 5:8, "ani *El* dha "kan abboota keessanii *Eelohim*
 - c. *Shaadaayi* Uma 49:25
 - d. "Hinaaffaa" Bau, 34:14, Kes, 4:24, 5:9, 6:15
 - e. "Araara" Keessaa Debi, 4:31, Nah, 9:31, " amanamaa "Kes 7:9, 34:4
 - f. "Guddaa kan ta'ee sodatamaa "Kes, 7:21, 10:17, nah, 1:5, 9:32 dan, 9:4
 - g. "Beekaa "Isam, 2:3
 - h. "Itti butiinssa koo kattaa jabaa "2sam 22:33
 - i. "Abuukatoo koo "2sam 22:48
 - j. "Qulqulluu kan ta'ee "Isa, 5:16
 - k. "Aangoo qabeessa" Isa 10:21
 - l. "Fayisaa koo" isa 12:2

- m. “Cimaa fi jabaa” Erm, , 32:18
 n. “Abaa murtii” 51:36
5. Kakuu Haaraan inni jalqabaa hunduu maqaa Waaqayyo maka, iyaasuu 22:22 kan argaman (Eel-, (El, Elohim, YHWH, irradeebi’ama)
- B. *Elyon* (BDB 751, KB 832)
1. Hundee hiika isaa “hunda kan danda’u” “ol jedhaa” (Uma 40:17, 1Mott, 9:8, 2Mot, 18:17, Nah, 3:25, Eer, 20:2, 36:10, Far 18:13.
 2. Innis maqoota hedduu wajjiin walitti galuumsa tokko hojii irra oleeraa maqaa Waaqayyotiin.
 - a. *Eelooheem* –Far, 47:1-2, 73:11, 107:11
 - b. *YHWH* –Uma, 14:22, 2Sam.22:14
 - c. *El-shaaday*, Far, 91, 1:9
 - d. *El*, Lak, 24:16
 - e. *Elah* –yeroo hundaa hojii irra kan oolee daani’eel 2-6 fi iz 4-7 ilaari wajjin wal-simachuun (Araamiffaan “Waaqayyo hundaa dandda’u “Dan 3:26, 4:2, 5:18, 21
 3. innis yeeroo hundaa isra’eeloota kan hin ta’iin irratti hojii irra oola
 - a. malkaa tseedeq, Uma 14:18-22
 - b. beelam, Lak, 24:16
 - c. muusee kes 32:8 wa’ee uummataa kan dubbatee.
 - d. Kakuu Haaraa keessatti wangeela waaqas, uummataaf /sabaaf kan bareeffame, nama giiriikii kan ta’ee huupsiistoosii dhaan fayyadama (lak, 1:32, 35:76, 6:35, 8:28 HoE, 7:48, 16:17)
- C. *Elohim* (baayyee, *Eloah* (baaqee) jalqaba hojii irra kan oolee jechamaan ture (BDB 43:KB 52
1. jechi kun Kakuu Moofaa ala hin jiru hin argamu.
 2. jechi kun kan agarssiisuu waaqanii israa’el ykn waaqa sabaati (Bau, 12:12, 20:3) matiin Abrahaam waaqolii baayyee waaqessa turan (Iya 24:2)
 3. innis firdii namootaatiin caqafama (Ba’u 21:6, far 82, 6)
 4. eelloohim jechi jedhuu, jechoota hafuura biraatiin faayyidan ni oola (ergamoota, seexana) akka Kes, 32:8 (lxx, Far, 8:5Iyoob 1:6, 38:7.
 5. Macaafa Qulqulluu keessatti inni sadarkaa isaa dura /maqaa waaqummaa dha (uma 1:1) inni hanga Uma 2:4 tti
 Waaluumaa galatti hin dhiyaatu, isa boodas yaahwee wajjiin walitti makamu, inni hundeesaa (seera waaqummaa) Waaqayyotii kanagisiisu akka uumaa, deegaraaf kenaa dha, addunyaa kana irraa jireenyi, (Far, 104)inni wal fakkaataa dha ilii wajjin (Kes, 32:15-19) innis YHWH wajjiin dha, akka Far, 14 tti (eelloohim), sirriitti far 53tti fakkaata maqaan waaqummaa jijjiiramusaa irraa kan hafe.
 6. waanuma fedhe yoo ta’ee ilee lakkoofsa baayyee ta’eellee waaqoliin kan biro hojii irraa yoo oolan iyyuu, jechi kun yeroo hundaa kan inni ibsu waaqa israa’elti, garuu jecha baaqqee qabata jecha wal-fakkaata fayyadama isa arggissiisuuf.
 7. jechi kun kan inni arggamu afaan israa’elootaatti kan hin ta’iin irratti akka maqaa waaqummaatti.
 - a. malkiiseedeq, Uma 14:18-22
 - b. bal’aam, Lak, 24:2
 - c. muuseen waa’ee sabaa yeroo dubbatue, Kes, 32:8
 8. maqaan faaydaaf kan durati hin ba’amnee waaqa israa’eel tokkicha lakkoofsa baayeen dhara ta’usaati, sirrii ta’uu dhaayoobaate illee, yaadni jechuu barbaadamee isa kana
 - a. ibraa’ixoonni lakkoofsa baayyee baayatan hin qabu, yeroo baayee kaba jaaf kan ta’uu. dhiheeniyatti kan kanatti wal-simatuu kan warra ibraayisxootaa namoomsuun uumamee kan waamamee “lakkoofsa baayee kabajjamoof ulfaatoo “yommuu ta’uu lakkoofsii baayeen isaa immoo hojii irra kan oolu ijoo wiirtuu yaada isaa beeksisuufi dha
 - b. kun tarii kan inni ibsu wal-ga’ii ergamootaati, innis gubaa samii irraa Waaqayyo akka walitti qabee ajjaje isa akka laatee dha (1mot, 22:19-23, iyo, 1:6, Far, 82:1 89:5-7.
 - c. kun kan inni agarsiisuu danda’u mul’ata Kakuu Haaraa ti, Waaqayyo tokko qaama adda addaa sadiin, Uma 1:lirrattii waqaayyoo in uumee Uma, 1:2 hafuurri isaa in sosooco’aa fi karaa AKIIN gooftaa yesuus bakka bu’a Waaqayyo abbaa tii seera uumamaa irratti (yoh 1:3, Rom, 11:36, Qor, 8:6, Qol, 1:15, Ibr, 1:2, 2:10)

D. YHWH (BDB 217, KB 394)

1. Maqaan kun kan inni calaqisiisuu waaqumaa yommu ta'uu akka waaqanii kakuu galu dha, Waaqayyo akka fayyisaa bilisaa baasaa namoonii kakuu isaa hin diigan, Waaqayyo garuu amanamaadha. Jecha isaaf, abdiisaaf kakuu issaaf (Far, 103). Maqaan kun jalqaba kan waamamee *Elohim* wajjiin walitti qabsiifameeti, Uma, 2:4 keessatti. Uma 1-2 keessatti galmee uumamaa lama hin jiru, garuu lama irratti xiyyeeffata (1) Waaqayyo akka walii gala uumaa wayyaba (foon qabeessa) fi (2)Waaqayyo uumaa addaa sanyii ilma namaa Seera uumamaa 2:4 kan innii eegalu mul'aata adda ta'een, carraa aangoofi hojii waan qabuuf sanyii namaatti kan agarsiisu, akkas uuman rakkina cubuuf hammeenya aango addaa ta'ee wajii wal-qabsiifamuu isaa.
2. Uma 4:26 irratti kan jedhuu" namnnii maqaa Waaqayyotiin waamamuu jalqabaan " (YHWH) ta' u iyyuu, Bauu, 6:3 kan inni ibsuu namoota inni dura kakuu galeef (abbootaaf maatii isaanii) Waaqayyon kan beekkan Eel-shaadaayi ta'uu isaatiin qofaa dha maqaan YHWH jedhuu Bau, 3:13-16keessatti keessumaatu lakkoofssa 14 irratti si'a tokko qofaa dha kan caqasamee haata'u malee bareeffamni muusee yeroo hundaa jechoota kan inni itti hiikuu jechoota beekamoo ta'aniin malee jecha dhokataan miti (Uma, 17:5, 27:36, 29:13-35) hiika maqaa kanaa ilaalchisee yadni adda addaa hin jiru (kan ayidaarraa kan fudhatamee, foormmii 2, fuul 409-11.)
 - a. hiddaa Arabiffaa irraa, "jaalala dhugaa arggisiisu "
 - b. hidda Arabiffaa irraa "dhaanuuu " (YHWHn akka waaqa balaa)
 - c. hidda warra Ugaritik (Canaanite) "dubbachuu"
 - d. bareeffama foon qaleenootaa (Phoenician) dukaa bu'ee, hima jalqabaa yommuu ta' u hiikaan isaas "tokko kan deeggaru "ykn "kan jabeessuu tokko "jechuu dha.
 - e. Warra Ibrootaa irraa hiifiil kan Hebrew *Qal* "gara firaachuutti fiduu "
 - f. jecha Warra Ibrootaa keessaa "tokko kan ta'uu "ykn tokko kan qabuu " (bara ergaa immoo, gara fuula duraatti kan jiraattu)
 - g. jecha Ibra irraa "firachuu " (fak Uma 3:20)hiikaan isaas "bara baraan kan jiraatuu, kophaa isaa jiraata kan ta'ee "
 - h. Baukeessa barreeffama 3:13-16boca hin xumuramnee seera xumurameen faaydaa irra kan oolee "osoon ta'e fini iddoon ta'eeti itti fufees nan ta'a "ykn dura kanan ta'uu kanatti aansees nan ta'aa (J. Wash Watts, *A Survey of Syntax in the Old Testament*, 67) maqaa guutuun YHWH yeroo hundaa kan inni ibsuu jecha kallaatiini.
 - (1) *Yah* (fkn haleelu-yaah, BDB 219, Bau15:2, 17:16, Far, 59:9, 104:35 2,
 - (2) *Yahu* (maqaa dhuma maqaa, fkn iyaasuu)
 - (3) *Yo* ("joo" jalqaba maqaa, fkn. Iyaasuu ykn Yoo'eel
3. booda keessa yiihuudummaan, maqaan kakuu kun baayee qulquulluu waan ta'eef (teetragramatoon)qooqa yihuudaa dubbachuuf nii sodaatu turan Bau, 20:7, kes 5:11, 6:13ajaja kana keessa jiru ala akaabiin taane sodaan sababa kanaan jecha ibraa'ixichaa in jijjiiran "abaa manaa "gooftaa" "abbaa warraa" "gooftaa"- *adon* yookiin *adonai* (gooftaa koo) gala YHWH yommuu dhufan akkaataa dubbifannaa macaafa kakuu moofaatti "gooftaa "jedhanii in dubbisuu sababa kanaatiif eega YHWH hiika afaan ingliiziitin gooftaa kan jedhuu.
4. Akka *El*, YHWH kan biroo wajjin walittin makama, amala Waaqayyo kakuu saba israa'elitiif gale hubanoo kenuuf jechoonni baa'ee walitti makaan keessaa armaan gaditti kan tareeffaman xiqoo isaniitii.
 - a. *YHWH- Yireh* (YHWHn kenna, BDB, 217fi 906), Uma 22:14
 - b. *YHWH- Rophekha* (YHWHn fayisaa dha, BDB 217fi 950) *Qal* PARTICIPLE),) Bau, 15:26
 - c. *YHWH- Nissi* (YHWHnn fajii kooti, BDB 217fi 651)uma 17:15
 - d. *YHWH – Meqaddishkem* (YHWHn kan qulqulleessudha) BDB, 217FI 872, *Piel* PARTICIPLE) Bau. 31:13
 - e. *YHWH-shaloom* (YHWHn nageenya dha, BDB 217fi 2022)abo, 6:24.
 - f. *YHWHn –saabooz* (YHWH loltuu, BDB217 fi 878), 1, sam 1:3, 11, 4:4, 15:2, yeroo hundaa raajotaan)
 - g. *YHWH –roy-ayii* YHWHn eegduu kooti, BDB 217, fi 944, *Qal* PARTICIPLE)Far, 23:1
 - h. *YHWH-gaarummaa* (YHWHn gaarummaa keenya. BDB, 217 fi 841), er, 23:6
 - i. *YHWH –shamaay* (YHWHn achi jira, BDB 217 fi 1027) hiz 48:35

■ “gooftaan jira” kun kan argisiisu walitti dhufeenyaa jechootaa yemuu ta’u abjuu ykn mul’ata karaa ergaa ta’e miti hagam illee isa ta’uu kan dan da’u yoota’ee ilee lakkoofsi of kan inni ibsu mul’iinsa qaamaati, 3:8-12; 4:9-15; 6:13-22; 8:15-19; 9:1-7, 8-17 walfakkaata kan ta’ee.

■ **“Abrahaam”** maqaa isaaf ta’u kan danda’aan hiikaa, 11:26 irratti yaadannoo jiru ilaala, Abrahaam akka nama addaatti hin ilaalamne, maatiin isaa waaqa tolfamaa baayee waqessaa turan, tarii waaqa ji’aa waaqesa ta’u. dhuguma yoota’ee Abrahaam kan inni itti hin ajajamne jira

1. maatii isaa dhabuu dhiisuu
2. gibxiif jedhee kana’aanin dhiisuu
3. ofii isaa oolchuuf jedha haati manaa isaa nama bira wajjiin akka ciistuu Eeyyamuu isaa (si’a lama)
4. Fara’oniif Ebeemeleekiin sobuu isa, lubbuu isa olchuuf jecha.

lakkoofsaa 22:15-18 irratti qofaa amantiin isaa ifati kan ba’ee, tau ilee 15:6 irratti dhoksaan yoo ibsamee illee.

■ **“biyyaa ba’ii deemii”** jechi (BDB, 229, KB, 246, xiiyyeefatama *Qal* IMPERATIVE) hiikaan isaas “deemuu “jechuu dha, NASB irratti kan argamu mil-jalatti hubachiisaa kan qabu yoota’uu “ofii keetiif ba’ii” jechuu dha, kunis lakk, 1A, C, D, keessatti kan argamu himni tokko walitti firoomsa jedhamee tilmaamama, waa’ee hima isaa kami dha kan caqasuu, ur, ykn kaaraan? 11:31 kan dubbatu jaaraan kana’aniif uriin dhiisuu isaa, garuu kan inni boqotee kaaraati dha, uriif kaaraan lamaan isaanii waaqeffannaa ji’aatiif wiirtuu turan, akkasumas taaraaf maatii isaaf hiikaa isaani kan ka’e (hata’uu malee, hiikaan maqaa maati isaa dhugaa hin qabu), tarii waaqa ji’ichaa *Sin, Nana* kan wajjiin wal-fakkaate ta’a (iyaasuu 24:2). idoodha socho’uuf sababa kan ta’eef kana dha.

Abrahaam maatiif bakka itti dhalatee dhiisee Ba’uu n isaa beekamtummaa uumataa qabaachuu dha, kunis mirga dhala huundaa gara booddeetti dhiisaniiru, kun maatii isaa wajjiin adda kan ba’e tarii waaqa tolfamaa wajjiinis adda Ba’uu isaa argisiisa. sababa kanaatiif eega taaraa fi looxiin isaa wajjiin akka wal hin simne Waaqayyo kan dhowweef, kanaafis baayyee kan nama ajaa’ibsisuu innis waamicha YHWHf tarkaanfii ajajamuuf dhabuu dha moo ykn inni abdiin maatii isaa karaa itti murteessuu dha kana jechun, wal-aansa maatiif akkasumas haala walfakkaataan YHWHf ajajamuun? Akka beekamutti “seenaan seenessuu “bareeffamaan (waantota baayee faayidaa qaban ilaali gaaffii kana kan fakkaattan karaa adda ta’een hin deebisu, Eenyu yoo ta’ee illee seenesuu hunda ilaaluun “qabxiilee wal-qabsiisuu ira jira”

■ firootan kee keessaa “waamichi YHWH deebii Abrahaam irratti haala irratti kan hundaa’ee ture, ga’ee isaa Abrahaamhin baane (mana maatii keetiif abbaa keetii ba’ii) amma atattamaan, Ajajamuun murteessaa dha (18:19, 22:18

■ mana abbaa keetii “HOE7:4 kan inni jedhuu taaraan kaaraanitti du’uu isaati Abrahaami osoo hin gadhiisiin dura, haata’uu iyyuu malee 11:26 irratiifi 12:4 irratti akkasumas 11:32 irra kan jiruu wajiin wal-simsiisuudhan kan fakkaatuu Taalaa, Abrahaam erga gad-dhiisee booda waagaa 60 jiraachuu isati. 11:26 furtuu ijoo ta’uu danda’a Abrahaam tarii akka ilma jalqabaati qubate ta’uu danda’a kunis umurii isaa osoo hin ta’iin barbaachissummaadhaan.

Kunis kan fakkaatu abrahamif maatii isaa irraa aadaan kennameef waamicha Waaqayyo irraa gara boodaatti kan isaa harkisee ta’u hin oolu.

■ **“gara biyya ani si argisiisuu”** 11:31 kun kaana’aan ta’u isa beekna kaana’aan irraa kakuu kan galameef

1. Abrahaam – Uma. 12:1, 15” 18-21
2. Yisiihaak – Uma. 26:3-5
3. Ya’iiqoob – Uma. 28” 13-15, 35:9[12
4. Isra’eel – Uma. 28:13-15, 35; 9-12 kes. 21:33 Iyaasuu 1:2:3:6;11, 13:15:2:9, 2:4, 18:3 21:43;24:13

Amatiin Abraam ibtraanootaan lakkofsa 11:8 ibsameera. Abdiin dhaloota biyya kana addaan kakuu mootaa keessatti xiiyyeefannoo ta’eera (jechuun: Isra’eel lafti kan latameef YHWHnidha).

12:2 “Ani saba gudda sin godha” saba jechu jedhu (BDB 156) kan mul’isuu biyyaa dhalootati, seera umama 10 irratti hin caqasamne

Lakkoofsaa 2 Gocha abdiin kan YHWH karaa 3 ibsa qabateera

1. “Ani saba guddaa sin godha” BDB 793, KB 889; kan hin xumuramnee innis haala wal fudhatinsaan hojjira kan olee
2. “Eebbas in taata” – BDB 138, KB 159 kan hin xumuramne haala wal-fudhatisaan
3. “Maqaa keen an guddisa” BDB 152, KB 178, wal-fudhatiinsa

Abdiin “Sanyii” kana abdii xiiyyefanno ta’eera; sanyii/dhaloota adda ta’e tokkof, Masiicha, innis saba hunda gara YHWHti kan fide. Abraan guutumaatti bilisa ta’aun isa gochaa tokko dha!

19:16 “Innis hin ture” goochmni kun (BDB 554, KB 552, *Hithpael* IMPERFECT) yeroo baayyee Kakuu Moofaa keessatti faayidaa irra oleera, hiikaan isaa “gara booddeeti hafuu” yookaan “turuu” dha. Loox maaliif akka ture hin ka’aamne. Eenyu illee sakata’uu ni danda’a, garuu ergaa ergamichaatiin guutumma guutuuti kana mane hin fakkaatu. Lakkoofsa 17 irra of eegannoon jiru kan isaan agarsiisaan karaa Loox kan jiru fedha qabaachuu dhabuu isaatiin dha. Jireenya Sodoom keessa jiraatu yookaan soorama isaa ala ta’uu ni danda’a (jechuunis, mi’a manaa, ergamtoota, mi’a gatiin isaa mi’aa horii). Loox ofiisa marguun bakke margaa filachuu isaa hubadhu (Uumama 13:10).

■ **“Gara laafummaan Waaqayyoo isa irra ture”** maqaa Ibirichaa (BDB 328) as kottu Isayaas 63:9 irratti qofaa dha kan argamu, Innis darbees kan inni agarsiisuu kakuu jalaala Yaahiwwee, gadda, olmaa fi ayyaana dha. Olmaan isaa inni guddaa abdi Waaqayyo abbootiif gale wajjiin wal qabate (Abrahaam, Yisihaaq, fi Yaa’iqoob). Himmichi (faarfatoota irratti illee yoo argamuudhaa baate) Yaahiwweef jaalala kakuu addaa ta’e Yaahiwweedhaaf qabu faayida irra oola (Seena bara isa 2ffaa 36:15, Iyyaasuu 2:18 Milkiyaas 3:17 (si’a lama), cubbuu yemmuu godhan faallaa isaa akka ta’u ilaali Seena bara isa 2ffaa 36:17, Hisqeel 5:11,7:4,9,8:18,9:5,10)!

19:17 “Lubbuu keef yoo jette baqadhu” “baqadhu” himni jedhu (BDB 572 פלט, BDB 572, KB 589, *Niphal* IMPERATIVE) barreefama kana irratti si’a shan faayidaa irra ooleera (Uumamaa 19:17 (si’a lama) 19,20,22). Innis galumsa sagalee dha. “Loox” לרט maqaa jedhuuf (BDB 532).

■ **“Gara booddee hin ilaaliin naannoo kana hundumaa hin dhaabatiin”** ergamichi yaada ibsa baayyee qabu Looxiif kenneera.

1. Lubbuu keetiif baqqadhu – BDB 572, KB 589, *Niphal* IMPERATIVE

2. Gara booddeekke hin ilaaliin BDB BDB 661 Heefiil yaada karaa biraa gaalee kan hin raawwanne (lakk. 26 kan nama gadiisiisu ta'uu isaa ilaali waluma galatti Looxii fi maatii isaa jireenya sdoom irra adda ba'uun cimaa ture)
3. Naannoo kana hundumaa keessa hin dhaabatiin – BDB 763! KB 840 kan hin raawwanne walqabate kan gale
4. Gara tulluuti (gaarati) baqadhu – #1 waliin kan walfakkaatu

“Gara dirree iddoo fedheeti” guutamaati “magaalota shanana” jechuu dha. Kun kan nutti agarsiisuu naannoo dirree Yordaanos magaalota gurguddoo shaman jirani dha. Sodoom, Gamooraa, Ddaam, Zeeboyiif Zo'aar, innis Bellaa jedhamee kan waamamuu (Seera Uumamaa 14:2).

19:19 Himni kun kan nutii agarsiisu gaarumaa Looxiin nuti agarsiisa. Gaaroonni maaliif akka sodaataman sirriiti hin beekaamu (xiqqoo irraa yoo siqme malwee) garuu inni kan inni ibsu eegumsa Yaahiwwee irra jiruu fi kenniinsa amanamuu dhabuu isaasiini dha. (Guutamaati “fuuldura keeti simboo argadhee yoo ta'e,” Uumamaa 6:8, 32:5,34:11)

■	
NASB	“Gaarummaa”
NKJV	“Haraara”
NRSV	Gaarumma guddaa”

Maqaa kakuu adda Ibiroota kun *heseddha* (BDB 338).

Mata duree addaa: Jaallachuu (Heeseed)

Jechi kun hiikaa ball'aa qaba. BDB karaa kanati ramada (338-339).

- A. Dhala namaa waliin kan walqabate faayidaa irra yemmuu ooluu
 - 1 Namoota hundumaaf gaarummaa (fakkeenya. 1 Samu'eel 20:14, Seena bara isa 2ffaa 24:22)
 - 2 Rakkatootaa fi hiyyeeyooliif gaaarummaa (fakkeenya, Mikiyaas 6:8)
 - 3 Gadda (Ermiyaas 2:2, Hosee 6:4)
 - 4 Bifa (Isaayas 40:6)
- B. Waaqayyoo waliin kan walqabate yaayidaa irra yemmuu ooluu.
 - 1 Amanammummaa kakuu fi jaalala.
 - a. “Rakkinaa fi diinootan liqifamuu” (fakkeenya Ermiyaas 31:3, Izira 27:28, 9:9)
 - b. “Du'a irra jireenya deebisuu” (fakkeenya Iyoob 10:, Faarfanna 86:13)
 - c. “Jireenya afuuraa ariifachiisuuf” (fakkeenya Faarfannaa 119,41,76,88,124,149,150)
 - d. “Cubbuu irraa oolchuudhaaf” (Faarfannaa 25:7,51:3)
 - e. “Kakuu isaa eeguuf” (fakkeenya Seena bara isa 2ffaa 6:14 Nahoom 1:5, 9:32)
 - 2 Dhiibaa humnichaa ibsuuf (fakkeenya, Ba'u 34:6, Mikiyaas 7:20)
 - 3 Gaarummaa Waaqayyoo
 - a. “Kan irraa hafee (fakkeenya. Naahom 9:17, Faarfannaa 103:8)
 - b. “Bakka guddaa (fakkeenya Ba'uu 20:6, Keessa deebii 5:10, 7:9)
 - c. “Kan bara baraa” (fakkeenya seena bara isaa 1 16:34,41, Seena bara isa 2ffaa 5:13, 7:3,6,20,21,21,Izira 3:11)
 - 4 Gochawwaan gaarummaa (fakkeenya Seena bara isa 2ffaa 6:42, Faarfanna 89:2, Isaayaas 55:3, 63:7 Faarfanna 3:22)

19:20 “Maaloo jalaan miliqa” kun kan wal qabate dha (COHORTATIVE (BDB 572, KB 589, *Niphal* COHORTATIVE), innis nkan ibsu gaarummaa “maaloo”jalaan miliqa” dha.

Himni itti aanuu BDB 310, KB 309) “miliquu” (jechaa jechatti “jiraachuu”) kan jedhu *Qal* JUSSIVE.

19:21 “Ilaa kana fudhadheera” kun jechoota warra Ibiroota dha, “fuula deebisuu” (himichii BDB 669 KB 724 kan raawwate dabalataaniis “fuula”BDB 8:15). Innis jecha mana murtooti dhufe dha. Abbaan murtoo “fuula isaa

erga godhee”, himatamaan/tun eenyu akka ta’e baruuf, achiis walcaalchisuu ta’uu isaatiif shakkisisuun irra hin jiratu.

Loox gara gaarootaati baqachuun akka hin taaneef waan sodaateef, gara Beelaa gaafate (Zo’aar, BDB 858, hiikni isaas “faayida dhabeessa ta’uu), innis “xiqqoo” (BDB 859 I), “Eeguu” jechuu dha. Ergamicha karaa nama aja’ibsiisuun, gaafii isaa simatan (innis kan inni fakkaatus) ergamoonni sadan bifaan argamuu Yaahiwwee bakka akka bu’anii fid ha). Magaala kana keessa mootiin akka jiraatuuf guddaa dha, 14:2 irrati akka galma’ee. Kun tarii ergichaa waliin karaa biraa dha. Humna kadhanna agarsiisuuf (jechuuniis abrahaam lakk. 18:22-23).

19:22 DARbees Ergamichi Looxiin ajaje.

- 1 Ariifadhuu – BDB 554, KB 553, *Piel* IMPERATIVE (lakk. 16A faallaa isaa)
- 2 Baqadhuu BDB 572, KB 589, *Niphal* IMPERATIVE (Uma 19:17 (lamata) 19:20) uumamaa hanga keessa deebitti as irrati qofaa dha kan jiru.

■ **“Hangaa... waayyuu gochuu hin danda’uuti”** Ergamoonni kunneen balleesitootni Looxii fi maatii isaa akka olchaniif ajajamaniiru. Kunis kan inni ibsu tokko illee

- 1) Ayyaana Yaahiwwee
- 2) Kadhannaa humnaa dha (jechuunis 18:22).

Kuusaa barreefama Seera Uumamaa 19:23-26

²³ Akkuma aduun lafa irratti baateen, Loox mandara Zo’aar in ga’e. ²⁴ Yommus Waaqayyo bantii Waaqaa keessaa dhagaa boba’u, ibiddas mandaroota Sadoomii fi Gamoorra irratti gadi hin roobse. ²⁵ Inni mandaroota sana, guutummaa lafa naannoo sanaa, warraa madaroota sana keessajirataan hundumaa, wanta lafa sana irratti biqilus in barbadesse. ²⁶ Hati manaa Loox garuu dugda isaa duuba gara booddee ishee mil’attee, utubaa soogiddaa taate.

19:24 “Waaqayyoos Sodoomi fi Gamoraa irratti Waaqayyo bira dhagaa boba’uu fi ibidda roobse”. “Yaahiwwee” jechii jedhuu asitti si’a lama faayidaa irra ooluun isaa waan hin beekamnee dha. Ibsitoonni warra Yihudoota sagalicha baayyinaa ulfian isaa jedhanii yemmuu waaman, ibsitoonni warrikiristaana immoo waa’ee sillasee waan tokko ilaaluu. Dhugaasaa yemmuu ilaallu, walitti qabama Surmayyee bayina lakk.kanaatiif, akka itti aanuu jedhaniiru, “ilmi waaqayyoo Waaqa abbaa biraa bookkaa isaa roobse” lakk.14:10 irra akka hubannuti naannoo kanaa fi iddoo hunda jiraachuu isaa, tarii qaqawweessa yookaan bokkaa abiddaa (Hizira 38:22 Luqaas 17:29, Mul’ataa 14:10,19:20,20:10). Waaqayyo naannoo kana hunda akka boba’uu fi akka manc’uu godheera (Yihudaa 17).

Zo’aaran uumamaa karaa ta’een eegamuu isaa hubbadhu. Kunis Geesem rukkutaa kurnan eegamanii waliin wal fakkaataa dha.

Abiddi yeroo hunda kan qabatuu firdii qulqulleessuu Yaahiwwee wajjiini dha 15:17 mata duree addaa jiru irraa ilaali.

19:25 “Innis magaaloota sana hin galgalche” “hin galgalche” jechi Ibiroota jedhu kun BDB 245, KB 253, kan hin raawwannee) hiikaan isaa gagalagalchani balleessuu jechuudha. Baduun Sadoom macaafa qulquluu hunda irratti firdii humna Waaqayyoo kan agarsiisuu dha. (Keessa deebi 29:23, Isayaas 13:19 Ermiyaas 49:18,50:40 Amoost 4:11). Badiin kun mul’aachuu firdii Yaahiwweedha. Innis bifa walfakkaataa dhaan aadaa Kanaa’aaniin yemmuu mo’ee akka godhe.

19:26 dubbistootni kitaaba asitti wanta ta’e kan mirkaaneeffatan miti, garuu ifaa kan ta’e lapheen haadha manaa Loox sodoomin ta’uu isaa kan isheen haammate kan isheef ta’uudha (LUqaas 17:32). Isheeniis ajajmuu dhiisuu isheetiif yaadanno taate! Sodoom yeroo turanitti dhiibaan kan irra ga’eef, garuu ijoolleen ishee lakk.30-38 ragaaa (odeefanno) jiruun.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa: 19:27-28

¹⁷ Abrahaam ganama bariidhaan ba’ee, lafa itti fuula Waaqayyoo dura dhaabatee ture sana in dhaqe. ²⁸ Inni gara mandaroota Sadoomii fi Gamoorra, gara guutummaa lafa naannoo sanaa ilaalee, kunoo, aarii akka gara iddoo ibidda irraa ka’utti lafaa ol aaruu hin arge.

19:27 “Waaqayyo dura bakka dhaabatee tureeti” kun humna afuurichaa durati kan ta’uu dha (Uumamaa 18:22, Leewwii 9:5 keessa deebii 10:8).

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa: 19:29

²⁹ Waaqayyo mandaroota lafa naannoo sanaa in balleesse, Waaqayyo yeroo mandaroota Loox keessa jiraachaa ture barbadeesetti Abrahaamin yaadatee, Looxiin garagaggluu sana keessa hin baase.

19:29 “Waaqayyo Abrahaamiin in yaadate, badiisa sana keessaas Looxiin in baase” Looxiif kan hafe kadhata abrahaam akka ta’e hin huubate, kakuu isaatiin abdiin dhaale (Ba’uu 2:24). Lakkoofsi kun olaantummaa Abrahaamiif ilaalcha kenna.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa: 19:30-38

³⁰ Loox amma Zo’aar keessa jiraachuu waan sodaateef, intaloota isaa lamaan fudhatee Zo’aar keessa garuu tullootatti ol ba’e, achitti intaloota isaa wajjiin holqa keessa in taa’e. ³¹ Gaaf tokkos intalli isaa isheen angafni ishee quxisuudhaan, “Abbaan keenya dulloomadha, akkuma guutumma biyya lafaatti ta’utti namni nu bira ga’u immoo tokko illee biyya kana hin jiru, ³² kanaaf amma kaanee abbaan keenya daadhii waynii akka dhuguu goonee, sanyiin abba keenya irraa godhannu lafa irratti akka hafu gochuudhaaf isaa wajjiin in ciifnaa!” jette ³³ Gaafuma sana galgala abbaa isaanii daadhii waynii obaasanii, intalli isheen angafni olgaltee abbaa ishee wajjiin in ciifte, inni immoo yeroo isheen dhaqxee ciifte, yeroo ishee kaatees hin beekne. ³⁴ guyyaa lammafaatti immo intalli isheen angafni ishee qixusuudhaan, “kunoo ani Seda abbaa koo wajjiin nan ciisee, har’a galgas immoo daadhii waynii isaa in obaafnaa, sanyiin abbaa keenyaa irraa godhannu lafa irratti akka hafu gochuudhaaf, atis olgalii isaa wajjin ciisi! Jette. ³⁵ isaan galgala sanas abbaa isaanii daadhii waynii in obaasan, intalli isheen quxisuun immoo kaatee dhaqxee isaa wajjiin in ciifte, inni garuu yeroo isheen dhaqxee ciiftee, yeroo isheen kaatees hin beekne. ³⁶ Akkasitti intalloonni Loox lachuu abba isaaniitiif in ulfa’aan ³⁷ Isheen angafnii ilmadessee, maqaa isaa “Mo’aab” jettee mogaafta, inni abbaa Mo’aabota amma kana in ta’e. ³⁸ Isheen qixusuunis ilma dessee, maqaa iss “Beeni-amii” jtee mogaafta, inni immoo abbaa Amoonota amma kana in ta’e.

19:30-38 Lakkoofsoonni kun kan isaan fayyadan Amoonota warra Mo’aboota bakka isaani itti argaman ibsuu fidha.

19:30 “Innis Zo’aariin jiraachuuf waan sodaatee fidha” lakk. Kana irratti kan xiyyeefate fillannoo lamatu jiru. (1) Lakk. 21 irratti kandubbatame abdicha dagachuu yookiin (2) Namoonni jiraatoota magaala kanaa hamoo akka isaan ta’aniif ilaaluu isaati firdiin Waaqayyoo isaanirras akka hin geenyeeff sodaachuu isaatiini dha. Innis naannoo sana deeme lakk. 19 irratti akka sodaate ibsa.

19:31 Ijoolleenis akkuma abbaa isaanii kan walfakkaatu kennaa Yaahiwwee irratti amantiin isaanii hirruu akka ta’ee agarsiise waan irraanfatan kan fakkaatu.

- 1 Waaqayyo karaa Abrahaam boqonnaa 14 irratti akka isaan fayyise
- 2 Waaqayyoo karaa ergaa isaa boqonnaa 19 irratti akka isaan fayyise

19:32 Ijoolleenis sanyii warraisaanii itti fuufsiisuuf karoora baasan

- 1 “Kottu” BDB 229, KB 246, *Qal* IMPERATIVE (lakk. 34)
- 2 Abbaa keenya dhugaatii waynii obaasna – BDB 1052, KB 1639, *Hiphil* IMPERFECT. Innis karaa walfakkaatuun kan gale (lakk. 34)
- 3 Isaa wajjiniin haa ciisnu –BDB 1011, KB 1486, *Qal* COHORTATIVE (lakk. 34 IMPERATIVE))

Lakk. 34 warrii walfakkaatan kun firoota gidduutti wal quunamtii balaa irra deddeebi’a.

19:36 Keessa tokko nama aja’ibsiisuu danda’a, lamaan isaanii iyyuu yeroo jalqabaaf ulfa’uu isaanii yookaan gochaa deddeebi’amee raawwatame ta’uu isaa.

19:37 “Mo’aab” kan beekame garuu hiikaa teeknikaa kan hin taane sagalee walfakkatu irratti kan hundaa’e “abbaa koo irraa” kan jedhudha (BDB 555) innis fira dhiigaa walquunamtii saalaa. Mucaan kun gara booddeetti abbaa warra Mo’aaboota ta’a, rakkoowwan gurguddoo kana Iyyerusaalem irra kan ga’u fira ta’ani uttuu jiranii keessa deebi 2:9.

19:38 “Been-Amiin ijoollee Amoon” Been-Amii jechuu kan barbaadu ijoollee lammii ko dha. (Saptuuwajenti Jeerom fi Awwugisxiinoos) ijoolleen Amoon (BDB 769) boodeeti saba Isira’eel irratti rakkoo guddaa uumeera fira ta’anii osoo jiranii (keessa deebi 2:19) lakk. 30-38 kufaatiin mul’atu inni jalqabaa (1) fakkeenya kufaatiin lamilee yookiin (2) qomoo maatii qulqulluu ta’e eegna kan jedhu of jaja ta’a. Maqooliin lamaan iyyuu maqaa baacoo dha.

Gaaffiiwwan Maree

Kun qajeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaadanama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan.

- 1 Boqonnaa 18 fi 19 kan qubatan dhugaawwaan jiran maalii dha?
- 2 Yaahiwwen ergaamaa wajjiin maaliif mudatee? Kayyoon do’annaa (yookiin kaayyoowwan) maaliidha?
- 3 “Adoon” jechi adoon jedhu maal jechuu dha? Dimshaasha
- 4 Boqonnaa kana keessatti suuta suutaan Loox gadi bu’aa adeemu isaa tarreessi.

SEERA UUMAMAA 20

HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

NASB	NKJV	NRSV	NET	NJB (follows MT)
Haxxummaa Abrahaam	Abrihaamii fi Abmeleek	Abrahaamii fi Saaraan Geraaraatti	Abrihaamii fi Abmeleek	Abrahaamii Geraaraatti
20:1-7	20:1-7	20:1-7	20:1-3 20:4-5	20:1-7
20:8-18	20:8-13 20:14-16 20:17-18	20:8-18	20:6-7 20:8-10 20:11-13 20:14-16 20:17-18	20:8-13 20:14-18

DUBBISA MARSAA SADA (fuula xxiv irraa)

SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirmaa gulummoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoo
2. Keeyyata lamma
3. Keyyata sada
4. kkk

Ejjeta

A Ajaa'ibsiisaa kan ta'u kutaa boqonnaa 18 keessatti abdi ka'ameen walqabatee Abrahaam warra akkas mataa isaanii jaallatan, sadarkaa sodaan guutame. Durse boqonnaa 12 keessatti kan ta'e kuufaati isaa. Kunis barreefama kan bira kan ta'e ibsudha. Abdiin isaa guutumma guutuutti Waaqayyoof ta'uu nama irraa osoo hin ta'i,

1. Haadha manaa dhabduu (da'uu kan hin dandeenye)
2. Fari'oniin hadhaa manaa fudhatamte (Seera Uumamaa 12)
3. Abimeelekiin haadha manaa fudhatamte (Seera Uumamaa 20)
4. Arsaa Hisiyaaq (Seera Uumamaa)

Abrahaam abdii Yaahiwwee eegachuutu irra ture. Jirreenya to'achuun hin dada'amne keessa yoo ta'e iyyuu. Abrahaam Waaqayyoon amanee (Seera Uumamaa 15:16)

B Boqonnaan kun kan nuuf ibsu bara bara Abrahaam keessatti qulqulloonni baayyeen biyya kanaan keessa jiraachuu isaaniiti.

1. Magaalaa Saalem Melkaseedeq
2. Abimelek mootii Filisxeem

Tarii kun kan ibsu raajii Abrahaam irratti dha. Seera Uumama 15:13-16. Cubbuun warra Amoorotaa (saboota Kana'aaniif sagalee cuunfaati) xumuramuu dhiisuu isaati. Abimeeleek boqonnaa kana keessatti kan inni argamu olaantummaa afuuraa Abrahaamini olitti dha.

- C Barbaachisummaan kadhata abrahaam: Yaaahiwweef Abimelekiin bakka bu'uun kan inni agarsiisuu Abrahaam Yaahiwweedhaan filatamuu isaa kan adda ta'e fi bakka simboo qabeesa ta'uu isaati.

Qo'annoo jechaa fi gaalee

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa: 20:1-7

¹Kana booddee Abrahaam lafa ture sanaa duunkaana isaa buqqifatee, biyya gara mirgaa ga'e, Qaadeshii fi Shuur gidduu taa'ee, mandara Geraar keessas gala ta'ee in jiraate ²Achitti Abrahaam waa'ee Saaraa haadha manaa isaa gaafatamee, "isheen obboleetti kooti" jedhe, kana irratti Abimelek mootiin Geraar itti erge Saaraa fichisiise ³ Waaqayyoo garuu halkan abjuu keessa Abimelek bira dhufee, kunoo! Ati sababii dubartii abba manaaa qabdu sana fudhatteef du'uuf jirta" jedhe. ⁴ Abimelek kanaan dura isheetti dhi'anna ture kanaaf gooftaan koo namoota balleessa hin qabne immoo in ajjeftaa ree? ⁵ Namichatu ofumaa isaatii "isheen obboleetti kooti " naan jedhe mitiree? Isheen, inni abboleessa kooti jette, anis garaa kooti hamaa utuu hin yaadiin, harka koos utuu hin xurresiin kana godheera" jedhe ⁶ Waaqayyoo immoo abjuu sana keessa Abimelekiin ati garaa keetti hamaa utuu hin yaadiin kana akka goote aniyyuu beeka kanaaf ati akka ana hin yakkiineef ani si dhowweera! Ati akka ishee bira geessuufiis kara siif hin laanne ⁷ Amma manaa namichaa galchuuf immoo raajii dha! Inni isaaf in kadhata, atis ni jiraatta; namichaaf yoo galchuu dhaa baatte garuu ati akka duutuu namoonni kee hunduus akka du'an beeki! Jedhe.

20:1 "Abrahaam achii ademe" Abrahaam bakka buufata isaa muka qilxuu Maamreeti jijjiree (Uma 18:1) yookiin Keebroon UMA 13:18). Abrahaam jireenya dhaabataa jiraachaa hin turre. Akka Iyyoob godhe (yeroo walfakkaata keessati).

■ **"Nege"** kun kana argisiisuu gara "uummata kibbaa" ti dha (BDB 661). Kunnis baayyinaaan gammoojji kan ta'e magaalaa Beershabaan dabalee gara kibbaatti yemmu ta'u. Kunnis bakka walfakkaataa Seera Uumamaa 13:1 irratti caqafameera. Abbootiin;Abrahaam fi Yisiyaaq yeroo isaani guutuu kan dabarsan iddoo kanatti.

■ **"Qadeesh"** jennata gammoojjiin kunis qaadeesh Berneh jedhamuun beekama (Uma 14:7, 16:14) innis tilmaaman maayilii 50 Bershaabaa irraa gara kibbaatti fagaattee argama. Aja'ibsiisaa kan ta'e jechi *Kadesh* jedhu (BDB 873 II hiikni isaa kan qulla'ee) sagalee Ibroota keessaa "qulqulluu" innis *kadosh* kan jedhamu waliin kan firoomuu dha (BDB 871).

■ **"Suur"** jechi kun BDB 1004 III) hiikaan isaa "Keenyana" agarsiisuu kan danda'uu sarara bakkee da'oo warra Gibxii dha. (1 Saamu'eel 15:7,27:8). Kunis kan inni agarsiisuu 16:7 dha. Ergamaan Waaqayyoo Agaarii wajjiin kan waliin dubbatanidha. Teesumni lafa isaa eessa akka ta'e yoo walaalle iyyuu gara kibba Beershaabaa karaa biyya Gibxii kan ngeessu akka ta'e ifaadha (Uma 18:25).

■ **"Achis Geeraaraa ta'e"** asitti ari'atamuu sadarkaa lama geesise kan galkmeesisee galma'uu isaa beekamaa dha. Geeraaraan kaaba Qaadeshiiti argama. Lakk 1 irra kan jiru goochmini jalqabaa jiraate" (BDB 652 KB 704 kan jedhu hiikoon isaa kun "harkifamuu qofoo dunkaana" yemmu ta'u kuni garu "jiraachuu" (BDB 157, KB 184) kan inni agarsiisuu yeroo dheeraa turuu isaati (Seera Uumamaa 12:10, 21:23-24, 26:3,32:6,35:27, 47:4). Kun gara boodeeti da'oo warra Filisxeemoota isa cimaa naannoo ta'u dha (seera Uumamaa 10:19) seenaa gara duduubaara akka hubbannuutu Gaazaati dhiyoo kan ta'e Filisxeemota irra magaalota shan dhokkatan keessaa isa tokko dha.

20:2 "Isheen obboleetti kooti" kun yaada walfakkaataa dha, 12:17-18 akka ta'e. Innis Gibxiiti Fari'oonii wajjiin. Innis Yisihaaqii fi Ribqaa irratti ta'a 26:1 irratti kanaan kan walqabate ibsi qofaaa qabnu lakk. 13 irratti yemmu ta'u innis Abrahaamifi Saaraaf kan beekame sirrii fakkaata.Keladoota Uriin erga gadidhiisanii booda. Kunis ta'uu kan danda'u walakaan isaanii obboleessaa fi obboleetti ta'uu isaaniti (lakk.12) garuu ta'uu

kan inni danda'uu Abrahaam guyyaa ayyaanaa irratti guddifachaa godhatee ta'uu danda'a, barreefama Nuuzii irraa. Isaaniis aadaa ayyaana warra Huurootaa kan ibsu dha.

■ **“Waan ta'eefis mootiin Gereeraa Abimeelekin ergee Saaraa fudhate”** kana jechuun Saaraan yeroo sanitti qaamaan miidhagduu turte jechuu dhaa? Kuncuunfaati ni danda'ama, Seera Uumamaa irratti hunda'uun, tokko tokko akka jedhanitti Waaqayyoo qaama ishee haaroomseeraaf, ulfaa'uu akka dandeesuuf, kanaafi deebitee miidhagduu kan taate. Ibsitootni gara garaa kan isaan tilmaaman, umuriin ishee naannoo waggaa sagaltamaa waan taateef, adeemsi aadaa kana qofaa dha. Mallattoon kakuu firummaa Abrahaami fi Abimeelekin gidduutti raawwatamuun kan inni dandeesisuu.

20:3 “Waaqayyoo abjuudhaan Abimelekitti mul'ate” Abimelek (BDB 4) Aggariif taayitaa gaggessaa yemmuu ta'u, innis akka Fari'oon, Qeesar, yookaan afuura hamaa dha. Innis hiikaan guutuun isaa “Abbaan miitii dha” yookaan “maatichi abbaa kooti” jechudha. Nutis maqaa hiikaa cuunfaa kanaa kan argachuu dandeenyu motoota Filisxeemii Faarfanna 34 seensa irratti kan argamani dha.

Waaqayyoo dhugumaan abjuudhaan isatti mula'achuu isaa, innis Laabaa irratti akka raawwate Seera uumamaa 31:34, kan inni agarsiisu hariiroo Waaqayyoo wajjiin qabu dha. Kunis karaa adda ta'en kan argamu inni Waaqayyoon Adoonayii (lakk.4) jedhee waamuu isaa yemmuu ta'u, akkasumas kan inni agarsiisu tarii inni Waaqa kakuu (Yaahiwwee) hubannoo muraasa kan qabu dha. Malkiisedeq kan inni godhe hundumaa (uumamaa 14), nama kakuudhaan in taane kan biraa.

20:4-6 As irratti kan ilaallu dubbii Waaqayyoo fi Abimeleki gidduutti yemmuu ta'u, innis abimelek osoo hin beekiin Waaqayyoo kan inni ibsedha, dhugaa hundumaa osoo hin beekiin, lakk.52 irratti jechawwaan kewwamaniin “qulqulummaa harka diriire, jechuunis, “waan tokko kan wal hin makne ta'uu isaa dha. Innis qulqulummaa garaa kan walsimudha, (qajeelfama BDB 1070 fi KB 523 Motoota isa 1 9:4, Faarfanna 7:8, 101:2). Lakk.6 Waaqayyoo kan inni jedhu inni akka cubbuu hin hojjenneef kan eegee dha. Samu'eel isal 25:39, Iyyoob 33:18 akkasumas Faarfanna 19:19 yaadannoo)

Walumaa galatti kun kan agarsiisu Abimelek fi maatii isaa irratti dhukkuba hin beekamne irratti kufuu isaati (Seera Uumamaa 17-18,12:17). Ani akkan yaaduutti ilaaluun isaa gaarii kan ta'e, Waaqayyoo addunyaa isaa irratti damaqinaan akka sochoonuu fidha. Kunis kakuu isaan ala warra jiraniif akka of eegatu agarsiisa. Kun kan nuti agarsiisu waliigaltee Aggaarii fi Isima'eel wajjiin kan godhe dha. Kunis dhaloota namoota hundaaf jajjabina guddaa ta'uu qaba. (Isqeel 18:23-32, Yohannis 3:16, Roome 11:32, Ximootihos isa 1 2:4,4:10, Tiitoo 2:11, Phexiroos isa 2ffaa 3:9, 1 Yohaannis 2:1,4:14).

20:4 “Yaa Waaqayyoo saba qulqulla'aa ni balleesitaa?” kunis kan agarsiisu, Abrahaamis firdii Waaqayyoo sirrii ta'e akka qabu agarsiisa. Seera Uumamaa 18:23. Walumaa galatti mootichi du'a isaaa kan inni hubate dursa agarsiisa badiisa qomoo isaati. (dheekamsa, Seera Uumamaa lakk.17). Kan inni jedhu (“mudaa kan hin qabne” yookiin “qulqulummaa” jecha jedhu fayyadamuudhaan BDB 843) innis walqunaamtii saalaa Saaraa wajjiiniin raawwachuu dhiisuu fi gochaa isaa wallaaluu irraan ka'e innis cubbuu ta'uu isaa hubachuu dhiisuu isaati. Lakkoofsa kana irraa ifaa kan ta'e ejjii seera Waaqayyoo diiguu akka ta'e seenaa durii kana irratti illee beekamuu isaa dha. Uumamaa 12:17-19,26:7-11) sababni isaa dhaalummaa waan miidhuufi.

Mata duree addaa: walqunnamtii saalaa kan namaa

I. Seensa yaadachiisaa

A. Kiriistaanoota karaa miidhuun falaasama Giriikiin dhiibbaan irra ga'eera. Innis qaama namaa lamaan kan ta'e sochii sirrii ta'e mlamaa taasisa.

Macaafni Qulqulluun uumamaa qaama gaarumma isaa jabeessa. (Seera Uumamaa 1:26-27) haa ta'uu iyyuu malee bu'aa jalli'inaaf beekumsa kenna (Seera Uumamaa 3) guyyaa tokko abaarsii kun hin ka'a. Roome 8:18-22).

B. Dhiiraaf durbii yaada Waaqayyoo dha! Walqunnamtiin saalaa namaa qaama uumamaa Waaqayyoo fi karoora isaatiin warra uumaman dhaloota namaatiif.

Saalli kan nuti uumne miti, isatu akkas godhe. Ilaalchi kam iyyuu jireenyi saalaan ilaalamee hiikowwaan aadaa keenyaa dhiibbaa irran ga'a.

II. Qabiinsa Macaafa Qulqulluu (fakkeenyawwaan filataman)

A. Uumamaa irraa

1. Ijoo kan ta'e wali galteetu jira (Seera Uumamaa 1:26-27)
 2. Saalli itti gaafatamummaa Waaqayyoo biraaa ta'e dha (jechuun 1:28).
 3. Uumamni hundumtuu "baayyee gaarii ta'uun" isaa mirkana'eera Seera Uumamaa 1:31 walqunaamtin saalaa namoota dabalee
 4. Dubbartootni faallaa miti hiriyoota dhiirootaati malee (jechuun 2:18)
 5. Balleessaan Hewwaanii fi Addaam hunda keenya iyyuu miidheera biyya lafaa keenyas, walqunaamtii saalaa keenyas dabalee (seera Uumamaa 3:7-16).
- B. Jaalalli qaama salphaatti mirkana'eera; kufaati boodas yoo ta'e.
1. Fakkeenya 5:15-23 kan inni jabeessu umurii guutuu tokko fi tokkoo walqunamtii saalaa seera qabeessa.
 2. Lalaba 9:7-9; jireenya karaa hundummaa amma danda'ameeti akka itti gammadnu argisiisa.
 - a. Seera Uumamaa 1:2 afuurri Waaqayyoo bishaan irra in socho'a ture
 - b. Seera Uumamaa 17:1 Elshaadayii tarii hiikoo durbaa qabaata (jechuunis arabiffaan)
 - c. Keessa deebi 32:18 Waaqayyoo akka haadhoo shinbirroo
 - d. Bau 19:4 Waaqayyoo akka haadhoo allaatti
 - e. Isaayaas 49:14-15, 66:9-13 Waaqayyoo akka haadha deesseti wal fakkeefameera.
 3. Waaqayyoo yeroo hundummaa afuura qaama foon uffate hin qabu. Haa ta'uu malee "inni saalawwan namaa enyummaa isaa ibsuuf fayyadameera.

III. Walqunamtii saala namaa ibsuuf Waaqayyoo daanga inni kenne.

A. Fuudhaa fi heeruma

1. Seera Kakuu Moofaa fi Kakuu Haaraa keessa jiru
2. Akka fakkeenyaati "jireenya afuuraan guutame" Efeesson 5:15,6:9
3. Weedu weedoota walqunaamtii saalaa jabeessuu (tokko fi tokkoon ga'eela yaadamuu yookaan raawwatamu).
4. Qor isaa 1 7:3-5 saalli uumama hundaa dursa
 - a. Foonnii Waaqayyoof 1 Qor 6:19-20
 - b. Haati mana abba mana ishee malee qaama ishee akka barbaade gochuu hin dandeessu

B. Saalli namaa jaalala Waaqayyoo agarsiisuuf hojii irra oolera.

1. Galatiyaa 3:28 cuunfaa bara haaraa dha; Wangeelaa fi naannoo isaa dhuunfatee argamuu akkasumas tokkummaa isaa
2. Efeesson 5:21-31 mana kiristaanaa kiristoosii fi waldaa kiristaanaa gidduu tokkummaa jiru agarsiisuuf fakkeenya ta'eera (Hosee 1:3, bultoo Hosee Waaqayyoo saba Isira'eeliif jaalala qabu agarsiisuuf hojii irraa ooleera).

C. Waaqayyoo mataa isaa akka dhiiraa fi dubbartiiti mul'suu isaa

1. Dhiira baayyinaan kan irra deddeebi'ame
 - a. Abbaa Keessa 1:31, 32:5, Faarafannaa 103:13, Isaayaas 63:16, 64:8, Ermiyaas, 3:4, 19, 31:9, Hosee 11:1, milkiyaas 3:17
 - b. Abbaa manaa Hosee 11:3-4
2. Dubartii
3. Baafannoo (ogumma duraa)
 - a. "Jireenya afuuraan guutame" ni ajaja Efeesson 5:18 (amma raawwatamee kan xiyyeefatame (dirqisiisaa) Qolasiyaas 3:18-25)
 - b. Keewwata shanan amma keewwaman agarsiisa (Efeesson 5:19-24)
 - (1) Faarfachuu
 - (2) Faaruun galateeffachuu
 - (3) Sagalee gaarii
 - (4) Yeroo hundaa galateeffachuu
 - (5) Wal kabajuu
 - c. Fakkeenya tokko mana kiriistaanaa
 - (1) Abbaa manaa fi haadha manaa (Efeesson 5:22-33)
 - (2) Maatii fi ijoollee (Efeesson 6:1-4)

(3) Hojetoota manaa fi bulchiitoota manaa (Efe 6:5-9)

4. Walquunamtiin saalaa kan kenname uumama hundaa dura
 - a. Gammachuu
 - b. Waliigaltee kan qabu of kennuu
 - c. Gaarummaa miiraa
 - d. Fedha foonii

D. Qophummaa (fuudha malee)

1. Innis kennaa afuuraa fi waamamuu dha (Mar 19:12, 1 Qor 7:7- 8, 32:34)
2. Fedhaan baayyee murteessaa kan hin taanee fi afururumma kan hin qabne 1Xim 4:1-5
3. Fakkenyawwan caqafaman
 - a. Ermiyaas
 - b. Yohannis cuuphaa
 - c. Yesuus
 - d. Phawuloos
 - e. Barnaabas
 - f. Ijjoolewwan durbaa Philiphoos afuran (Hojii Ergamoota 21:8-9)

IV. Itti fayyadama dhala nmaa; Waaqayyo kan inni kenne wal quunamtii saalaa namummaa.

- A. Ga'eela dura (halaalummaa) fi ga'eela irratti ga'eela (ejja)
- B. Barrefamoota filataman
 1. 1Qor 6:15-20
 2. Gala 5:19-21
 3. Ibiroota 13:4
- C. Saala (yaadaniis ta'ee hojiidhaan) akka meeshaati namoota fedha foonii itti fayyadamuu ta'a.
- D. Wal-hiikuu
 1. Yeroo hundaa inni lammaffaa foyya'adha.
 2. Kakuu Moofa keessatti ni eyyamama. Kes 24:1-4 garuu Gooftaa Yesuusiin dhokameera. Mat. 5:27-32,19:3-12
- E. Walquunamtii saal-tokkee
 1. Matumaa yaada Waaqayyoo miti
 - a. Lew 20:13
 - b. Rom1:26-27
 - c. 1 Qor 6:9-11
 2. inni isa hamaadha sababiin isaas shaakalli jireenya kanaa cubbuu waan ta'ef garuu mala jireenya isa kaan irraa cubbuu guddaa ta'ee miti.
 3. Namoonni kufaan hundinuu walquunamtii saalaa wajjiin wallansoo walqabaniru. Kun isa cimaa, kan addaan hin cinne, yaada balla'ate, bifa qabeessa, fi yeroo yootti fedhiin kun nu keessatti raawwatamuu qaba.
 4. Amantoonni baayyeen haleelummaa waaqa tolfamaa rakkoo gadhoomina qabu. Haa ta'uu malee fayyina booda isaaf garba hin ta'a 1 Qor 6:9-11

V. Yaada cuunfaa

- A. Wal quunamtiin saalaa yaada Waaqayyoo dha, biyya lafaa namaan guutte.
- B. Wal quunamtiin saalaa yeroo dhaaf, kan bara baraa miti. Mat. 22:30, Marqoos 12:25,Lakk 20:34-36.
- C. Wal quunamtiin saalaa kufaatii isaatin miidhameera. Huundi keenya uumama keenyaan mataa keenyaaf, namoota of jaalannu dha.
- D. Wal quunamtii saalaa jechuun nu warra bitamne kan gargaaru dha. Irra caalaatti mataa keenya warra to'anne namoota akka taanu (dhagaa golee bu'aa afuura (Gala 5:23). Wal quunamtiin saalaa namoota dhuunfaatiif barsiisaa gaarii dha.
- E. Maatiin amantootaa ga'ee dursaa taphachuu qabu. Dhimmi kun cimaa fi kan babala'ata akka ta'e, maatonni, hawwasummaa akkasumas saboonni akka hubataniif innis yaaddannoo yookaan karaa itti ba'an ta'uu danda'a. Nuyyi Waaqummaa Waaqayyoo ayyaana Waaqayyoo warra agarsiissnu dha. Barrumsa foyya'aa dhimma saalaa irratti walquunamtii tokko malee walii isaanii kan wal jallatan maatii lama dha.
- F. Walquunamtiin gammachiisa yookaan leeyasiisaa ta'uu danda'a. Kunnis:

1. Biyya lafaa guutuu
2. Walitti hidhamiinsa namoota lamaa
3. Maatii dhaabuu
4. Gammadaa ta'uu

20:7 Boocni gaaleewwaan isaanii miira kan tuqaniidha, Waaqayyoo abimelekiiti abjuu agarsiise ergaasarratti kan argaamanidha.

1. “Haadha manaa namtichaa deebisi” BDB 996, KB 1427, *Hiphil* IMPERATIVE. Kun karaa aja’ibsiisaa ta’een yeroo hundumaa Kakuu Haaraa keessatti “qalbi” jijjirannaa faayidaa irra kan ooluu gaaleewwan walfakkaatani dha.
2. Innis waa’ee keef hin kadhata BDB 813, KB 933, *Qal* IMPERFECT (innis bu’aa irra kan oolee dhiibbaadhani dha). Waaqayyoo Waaqadhiifama ta’uu isaa kadhata Abrahaam keessatti ilaaluu dandeenya (irra caalatti akka Iyyoob 42:8 kan fakkaate) kunis ejjannoo Abrahaamiin sirritti agarsiisa.
3. “Jireenyati ni jiraata” BDB 310, KB 309, *Qal* IMPERATIVE
4. “Ishee hin deebistuu taanaan garuu” *Hiphil* PARTICIPLE (lakk. 1 ilaali)
5. “Beekii” BDB 393, KB 390, *Qal* IMPERATIVE
6. “Dhuguumaan ni duuta” mata dureen gabaabaa hin raawwateef gaaleewwan raawwataman warra walfakkaatan jala (BDB 559, KB 562 jabina isaa agarsiisa cubbuun kan agarsiisuu “du’aa wajiniin” (2:17, Bau10:17 lakk. 18:22).

■ **“Innis raajidhahootii”** kun Macaafa qulqulluu keessatti itti fayyadama dubbii sagalee kanaati, akkasumas uumama keessati kan uumamuudha. “Raajii” jechi jedhu (BDB 611). Ta’e iyyuu, akka barreefama kanaati kan walqabate kan fakkaatu kadhata nama biraaf godhamu dha. (Seera uumamaa lakk.7:17). Kunis sababii ta’uu danda’uuf kitaaba Qulqulluu biraa keessati kan ibsamani dha (1 Samu’eel 7:5,12:9, 23, Iyyoob 42:8, ermiyaas 7:16, 11:14,14:11, 27:18). Tokko jechuun kan danda’amu, inni kan inni agarsiisuu mul’ata Waaqayyoo gara ijoolotaati darbuu isaa ti (Seera Uumamaa 18:19).

Mata dure addaa Raajii kakuu moofaa

I. Seensa

A. Ibsawwaan seensaa

1. Hawwaasii amanan akkam godhanii mul’ata akka isaan hiikan walii galtee hin qabu. Dhugaan jiru garuu ejjennoo sir’ataa ta’e irratti barootaaf irratti kan hundeeffaman yemmuu ta’u, inni kun garu miti.
2. Sirritt kan ibsaman baayyeen mul’atni Kakuu Moofaa keessatti mul’atan sadarkaa qabu.
 - a. Dursa aboo dhalootati dadarbu (premonarchial)
 - (1) Abbaa mul’ataa jedhamanii namoota waaamaman
 - (a) Abrahaam uumamaa 20:7
 - (b) Musee- lakk 12:6-8, Keessa deebi 18”15,34:10
 - (c) Aroon Ba’uu 7:1 (dubbii himaa Musee)
 - (d) Maariyaamii Ba’uu 15:20
 - (e) Meedaadii fi Eldaadi lakk. 11:24-30
 - (f) Diiboora Abboota firdii 4:4
 - (g) Maqaan kan hin ibsamne Abboota firdii 6:7-10
 - (h) Saamu’eel 1 Samu’eel 3:20
 - (2) Abba mul’ataaf akka ibsituwwan gareeti- Keessa deebii 13:1-5, 18”20-22
 - (3) Gareewwan raajii yookaan walfakkaatan – 1 Samu’eel 10:5-13, 19:20, 1 Moototaa 20:35:41,22:6,10-13, 2ffaa Moototaa 2:3,7,4:1,38, 5:22,6:1, k.k.f
 - (4) Masihii kan (kan dibame) abbaa mul’ataa jedhama Keessa deebi 18:15-18
 - b. Kan hin barreefamne aboo dhalootati darbu (Moonrkisummaa) (isaaniis mootii agarsiisu)
 - (1) Gaadii – 1 Samu’eel 22:5,2ffaa Samu’eel 24:11 1ffa Qor 29:29

- (2) Naatan -2ffaa Samu'eel 7:2, 1 Mototaa 1:2
- (3) Ahijaa -1 Mootota 11:29
- (4) Jeehu – 1 Mootota16:1,7,12
- (5) Maqaan isa kan hin ibsamne 1 Mootota18:14,13,20:13,22
- (6) Eliyaas - 1 Mootota 18, 2ffaa Mootota 2
- (7) Milkiyaas - 1 Mootota22
- (8) Elsa – 2ffaaMootota2:8,13

c. Raajii barreefama durii (isaanis Uumata yookaan moticha ibsu), Isaayasii hanga milkiyaasiti (Dani'eel malee)

B. Jechoota Macaafa Qulqulluu keessaa

1. *Ro'eh* = “Raajii” 1 Samu'eel 9:9 kun kan inni caqasu Naabii hiika jedhu dha. Rohii jecha waligalan “ilaaluu” kan jedhu irraadha namni kun yaada Waaqayyoo fi karaa Waaqayyoo kan hubate yemuu ta'u, dhimma tokko irratti yaada Waaqayyoo barruuf kan mariisisani dha.
2. *Hozeh* = “Raajii” 2ffaa Samu'eel 24:11 innis hundee isaa irra Rohi waliin walfakkaata innis jecha yeroo hundaa itti hin fayyadamne “ilaaluu” dha. Hundeen keewwata kanaa yeroo hundumaa faayidaa irra kan oluu raajii agarsiisuuf dha. (jechuunis “ilaalaa”)
3. *Nabi'* = “Raajii” jechoota warra Akkaadiyaniif Naabuu wajjiin wal fakkaata “waamuu” fi naabaa namicha biyya Araba= “ labsuu” kun Kakuu Moofaa keessatti raajii ibsuuf yeroo hundumaa kan beekamee dha. Innis si'a 300 ol hojii irra ooleera. Gaaleewwaan jecha sirrii ta'e hin beekamu haa ta'uu iyyuu malee “waamuu” yeroo ammaa kanati foya'aa ta'e argameera. Hubannoon foyya'aa argamuun kan danda'amu. Yaahiwwee Museen walquunamtii Fari'oon wajjiin qabu karaa Aroon gochuu isaa karaa itti ibsamedha. (Ba'u 4:10-16,7”1, Keessa deebii 5:5) raajii jechuun karaa Waaqayyoo namatti kan dubbatudha. (Amoos 3:8, Ermiyaas 1:7-17,Hiziraa 3:4)
4. Jechoonni sadan hundumtuu garee raajootaan hojii irra olaaniiru 1 Seenaa Bara 29:29, Samu'eel, Rohii, Naataan, Naabiyii fi Gad – *Hozeh* irrattidha.
5. Jechichi – “*ish ha - 'elohim*” “nama Waaqayyoo” jechuunis balla'aa kan ta'e ibsitu dha. Waaqayyooti kan dubbatu. Innis si'a76 Kakuu Moofaa keessatti hojii irra ooleera. “Raajii” miira jedhun.
6. “Raajii” kan jedhu jechijalqabni isaa Girikii dha innis kan inni dhufe (1) dursa – fuldura yookaan “fi” (2) Feem – “dubbachuu”dha.

II. Ibsa Raajii

- A. “Raajii” afaan ingliffaa irra caalaa Ibrootaatto hiika bal'aa ta'e qaba. Iyaasuu kaasee hanga macaafa Moototaa (Ruut) utuu hin dabaln kan jiran macaafonni seenaa, Yihudotaatti akka raajota warra duraatti beekamu, lammanuu Abrahaam (Uma. 20:7; Far. 105:5) fi Musee (Kes. 18:18) akka raajotaatti lakkaa'amu, (Mariyaam dabalatee Kes: 15:20). Kanaaf isa tilmaammii kan ta'e hiika ingliffaa irraa of eeggadha.
- B. “Raajummaan karaa seera qabeessa ta'een mul'achuu kan inni danda'u akka seenaa hubachuutti, innis hiika karaa kaayyoo kan waaqayyummaa ta'een, hirmaannaa kan waaqayyummaa ta'een kan fudhatu” *Dictionary of the Bible*, jildii. 3, fuula 896.
- C. Raajii, kan falaasaa ta'es beekaa barnoota hafuuraa kan ta'es miti. Garuu kakuu gidduu ta'ee sagalee Waaqayyoo gara saba isaatti kan fidan yeroo ta'an isa dhufuuf jirus agarsiisuudhaan isa ammaas areessuudhaaf “ Raajii fi isa raajii dubbatu” kan jedhu *Encyclopedia Judaica* jildii. 13 fuula 1152 haala gaariitti kaa'a.

III. Kaayyoo raajii

- A. Raajiin,Waaqayyo saba isaaf karaa ittiin himuudha. Haala amma keessa jiraniif geggeessummaan kan kennamuufiidha. Akkasumas jireenya keenya wantoonni biyya lafaa ta'annoo keessa akka galuuf abdiin akka qabaataniifidha. Ergaan isaanii hundee isaa irraa kan gurmaa'eedha. Jechuunis ibsuuf, jajjabeessuuf, amantii uumuuf fi qalbii jijjiirrannaaf. Sababii kanaaf waaqayyo ni hubachiisa mataa isaatiifis ta'e karoora isaatiif. Isaanis saba waaqayyoo ni qabatu. Gara kakuu waaqayyooti amantii jabaa kanarratti dirqamee dabalun kan ta'u ija yeroo hundumaa faayidaa irra oolu, filannoo dubbii hima Waaqayyoo ibsuudha. (Kees. 13:1-3; 18:20-22 kun gara dhumaatti kan fudhatamu Masihicha ibsuuf dha).

- B. Yeoo hundaa raajiin bara isaa seena-qabeessa ykn humna waaqayyummaasaarraa fudhata. Kanaaf dhimma kana dhimma gara dhumaa godheetu ilaala. Seenaan kun seenaa ilaalcha yeroo dhumaa ta'e Isiraa'el keessatti kan adda ta'eedha. Kanaaf filannoon humna Waaqayyummaa fi abdiin kakuu yaadni isaa kan adda ta'eedha.
- C. Muudama raajota waliin wal madaalsisuuf waan barbaade kan fakkaatu (Ermiyaas.18:18) fi luba beekamaa muudamaan aangoo qabachuun yaada Waaqayyoo akka beekumsaatti godhanii fudhachuudha. Urii fi tuumiin (uffata lubootaa) dubbi-hima Waaqayyo biraa kan inni fide gara sagaleetti kan godheedha. Muudamni raajotaa Milkiyaas booddee Isiraa'el keessatti kan raawwate fakkata. Innis turtii waggaa afurii booddee hanga cuuphaa Yohaannisti hin muudamne. Kennaan raajummaa bara kakuu haaraa Kakuu Moofaa wajjin akkamittiin akka walsimu kan mirkaneessu hin qabu. Raajota kakuu haaraa (Erg.11:27-28; 13:1; 14:29; 32:37; 15:32; 1Qor.12:10-28,29; Efesoon.4:11) mul'ata haaraa ykn sagalee warra ibsan miti garuu haala kakuu Waaqayyoon fedha isaa kan dubbatan warra raajaniidha.
- D. Raajiin amalli isaa kan goolabame ykn duraan dursamee kan beekame miti. Raajuun muudamuu isaa fi ergaa isaa karaa ittiin mirkaneessuudha. Garuu inni dirqama galmaa'uu kan qabu raajii Masichaarraa %2 kan hir'ateedha. %5 gadi kan inni mul'isu bara kakuu haaraa dha. %1 gadi gara fuuladuraatti haaluma ka'amaniidha. (Fee and Stuart, *How to Read the Bible For All Its Worth*, fuula 166)
- E. Raajonni Waaqayyoon saba isaadhaaf bakka yommuu bu'an luboonni isaa immoo saba isaa Waaqayyoon duratti bakka bu'u. kun ibsa walii galaati. Addummaa kan qabaatanu ni jiraatu. Kan akka Inbaaqoom, kan gaaffii isaa Waaqayyoodhaaf dhiyeessu.
- F. Raajorta hubachuu dhadhabuuf sababni keenya inni tokko kitaabni isaanii akkamiin akka gurmaa'an beekuu dhiisuu keenya dha. Seenaan tartiibaan kan ka'aman miti. Hiika kan qaban ni fakkaatu garuu yeroo hundumaa eenyu illee karaa inni eegu miti. Yeroo hundumaa ifaa kan ta'e seenaa amma tartiiba yeroo yeroo ykn hafuura wajjin ifa kan ta'e garuu hin qabu. Kitaabileen kun rakkisoota dha. (1) Altokkoon dubbisuuf (2) Mata duree issdhaan farrajuuf (3) Tokkoon tokkoon mul'ataa irratti giddu galeessa dhugaa isaanii ykn aboo isaanii mirkaneessuuf.

IV. Amala Raajii

- A. Kakuu Moofaa keessatti "Mootii" fi "Raajii" yaadni ka'umsa isaanii guddachaa waan dhufe fakkaata. Isiraa'el durii keessatti gamtaan raajotaa jabaachaa dhufee ture. Isas kan geggeessaa ture warren akka Eliyaas, Elsa kknf geggeessitoota dhiibbaa uumaa turaniidha. Gaaf tokko "ijoollee raajotaa" yaadni jedhu faayidaa irra oola ture garee kana adda baasuuf (2^{ffaa} Moot. 2). Raajonni amala isaaniitiin kan isaan itti ramadaman bifa nama liqimsuuniidha. (1Sam.10:10-15; 19:18-24)
- B. Haa ta'u iyyuu malee yeroon kun gara raajota dhufaniitti jijjiirameera. Raajonni turan kun (warra dhugaas ta'e warra sobaa) mootii biratti kan beekaman, mana mootii jiraachaa kan turan (Gaad, Naataan) darbees bilisa kan ta'an turan. Al tokko tokkos hawaasa Isiraa'elii wajjin wal hin argan turan (Amoos) Isaanis dhiiraa fi dubara turan (2^{ffaa}Moot. 22:14)
- C. Raajiin yeroo hundaa buusii kan tilmaamaa tureedha. Deebii namootaa irratti kan hirkate hojiin raajotaa yeroo hunda kan inni ture. Kan keessa hin deebine karoora guutuu isa kan Waaqayyoo uumama hundaafkan ture yommuu ta'u. Innis deebiin namootaa lafa irra hin harkifatu. Hojiin raajotaa yeroo hunda xiyyeeffannoo raawwannaa raajotaa gara baha bara durii biratti adda kan ta'e ture. Sirrumman raajii fi kakuun xiyyeeffannoo qabu ergaan raajichaa kun kan agarsiisu raajonni dursa gamtaa irratti xiyyeeffatu. Isaan yeroo hundaa cuunfaatti otuu hin ta'in uummata kan agarsiisaniidha.
- D. Raajiin baay'een sagaleen (afaaniin kan dhiyaatuudha). Gara dhumaa irratti dha kan inni jabaate, qabatamaatti duraa duuba seenaa irratti ykn barreessitoota warren gara bahaa keessatti ture. Amma garuu hin argannu. Innis barreeffamaan waan ta'eef akka dubbisaa barreeffama ariitiin kan tumame hin qabu. Kunis kitaabicha tooraan dubbisuuf rakkisaa godha.
- E. Raajonni ergaa isaanii dabarsuuf mala adda addaa fayyadamu:
 1. Agarsiisa mana murtii- Waaqayyo saba isaa gara mana murtiitti fudhata, yeroo baay'ee gargar bahuu irratti, innis hewaan haadha manaa isaa hin fudhanne jechuun (Isiraa'el) amantuu taatee waan hin arganmeef. (Hoose'aa 4:Milk.6)
 2. Kanneen nama boossisan- adda kan ta'e ergaan akkasii safartuu kan ta'e amalli isaa "wayyoo" bif aadda ta'e kanaaf (Isaay. 5; Imbaaqoom.2).
 3. Kakuun abbaa kan inni ittiin ifuamalli kakuu jabina kakuu kennameerraaf akkasumas bu'aa inni fidu fudhachuu fi diduu yeroo itti aanutti ba'a. (Keessa deebi.27:28)

V. Kakuu hiikuuf qajeelfamoota gargaaran

- A. Raajii isa duraa (qopheessaa) yaada barbaaduun tokkoon tokkoon raajii qabiinsa barreeffamaa galmeessuun. Innis yeroo hundumaa kan inni dhufu Isiraa'el kakuu muse biraan dhufe cabsuu isati.
- B. Raajii hundumaa dubbistee hiikuu, kaffaltii isaa qofa miti isa akka qabatanis ramaduu isaas raajii naannoo waliin akkamitti akka walsimu ilaali. Kitaaba isa guute baafata isaabaafachuuf yaala.
- C. Hiika guutuu keeeyyatchaa illalaa deemi. Barreeffamicha keessa fakkenyota afaanichaanbarreeffaman kaa'i.
- D. Seenaa yeroo fi keeeyyata walcinaan agarsiistuu gochotaa fakkeeniyotaan ibsi. Seenaan bara durii kun barreeffamoota kanneen gara bahaa warren ammayyaa warren dhihaa akka hin taane yaadadhu
- E. Raajota seeraan kaa'i
 - 1. Isaan yeroo barreessichaa adda baasanii kan ilaalaniidhaa?
 - 2. Isaan seenaa Isiraa'el keessatti gara dhumaa irratti ta'eeraa?
 - 3. Isaan dalagaa isa itti aanuudhaa?
 - 4. Isaan kanaan kan walqabate xumuraa fi gara fuulduraatti xumura ni qabaatuu
 - 5. Geggeessaa gaaffii kootiif akka ta'uuf barreessitoota Kitaaba Qulqulluu ilaali. Barreessitoota warren amma dhiiste.
- F. Xiyyeeffannoo addaa
 - 1. Haalli raajichaa deebii haala kan barbaachisuudhaa?
 - 2. Raajichi eenyuuf akka ta'e sirriitti barreeffameeraa? Maaliif?
 - 3. Karaa lamaanuu karaa macaafa qulqulluu fi karaa seena-qabeessa ta'een raawwannaa dacha ta'een carraa jiraate qabaa?
 - 4. Kitaabileen Kakuuwwan haaraa liqifamuudhaan ilma Waaqayyo Kakuu Moofaa keessatti bakka baay'eetti arguun danda'ameera. Innis nuufis ifa kan nuuf ta'e isaanis ramaddiitiin ykn haala galiinsa jechaatiin kan fayyadaman fakkaata. Nuti hamma hin liqimfamnetti haala galiinsa jechootaa kana isaaniif yoo dhiisne kan wayyuudha.

VI. Kitaaboota nu gargaaran

- A. *A Guide to Biblical Prophecy* by Carl E. Amending and W. Ward Basque
- B. *How to Read the Bible for All Its Worth* by Gordon Fee and Douglas Stuart
- C. *My Servants the Prophets* by Edward J. Young
- D. *Plowshares and Pruning Hooks: Rethinking the Language of Biblical Prophecy and Apocalyptic*
- E. *E. New International Dictionary of Old Testament Theology and Exegesis*, vol. 4, pp. 1067-1078

■ **“Kankee fi kan kee kan ta’e hundumaa”** ammas foonii wajjin kan ta’e walitti dhufeenya qabna” Innis Kakuu Moofaa keessati baay’ee kan beekameedha. (Uma 17: 27,19:12) abbaa dhamaasa (dubbii) haqaa Isqiyeel 18 fi Ermiaas 31:31-34tti hanga kanatti hin arginu. Innis amala kakuu haaraa kan qabateedha.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa: 20:8-18

⁸Abiimelek kana irratti ganama obboroodaan ka’ee hojjetoota isaa hundumaa walitti waame, dubbii kana hundumaa isaan duratti dubbate; namoonnis baay’isani sodaatan. ⁹Abiimelek ergasii Abirahaamiin waamee, “Ati maaliif akkas nu goote? Ani maal si yakkiinaan ati ana irratti, mootummaa koo irrattis cubbuu guddaa akkasii fidde? Ati wanta hojjetamuun hin taane ana irratti hojjette” jedhe. ¹⁰Abiimelek ammas Abirahaamiin, “Ati maal argitee kana goote?” jedhe; ¹¹Abirahaamis deebisee, “Tarii iddoo kana Waaqayyoon sodaachuun hin jiru yoo ta’e, Haadha manaa koof jedhanii ana hin ajjeesu ta’a jedheen yaade; ¹²karaa tokko immoo isheen dhuguma obboleettii kooti, haati koo ishee hin deenye malee, intala abbaa kootii ti; booddde immoo haadha manaa koo taate. ¹³waaqayyos mana abbaa kootiitii yommuu na adeemsise isheen iddoo dhaqnu hundumaatti, ‘Inni obboleessa kooti’ jechuudhaan waan gaarii anaaf akka gootuitti himadheen ture” jedhe. ¹⁴Abiimelek ergasii hojjetoota dhiiraa fi dubartii, bushaayee, saawwanis warra kan isaatii keessaa fuudhee Abiraamiif kennee; Saaraa haadha manaa isaas isaaf in galche. ¹⁵Achumaanis Abiimelek, “Kunoo biyyi koo si dura jira, lafuma sitti tole taa’P”, jedheen. ¹⁶Saaraadhaanis, “Kunoo, ija warra si bira jirani sirraa buqqisuudhaaf, dhugaa qabaachuu kees hundumaa duratti

mul'isuudhaaf, ilaa obboleessa keetiif meetii kuma tokko kenneera,” jedhe. ¹⁷ abirihaam immoo Waaqayyoon hin kadhateef; Waaqayyos Abiimelekiin, haadha manaa isaa, hojjetoota isaa warra dubartiis fayisee, ijoollee godhachuus isaan in dandeessise.¹⁸ Waaqayyo waa'ee Saaraa haadha manaa Abirahaam irratti, dubartoonni mana Abiimelek keessaa hundinuu dhala akka dhaban godhee ture'oo.

20:8 “Ganamaanis kadhatee ka'e” kun dubbii warra Ibirootaa yeroo ya'u, ariifannaa fi akka tasaa ta'uu isaa agarsiisa. (Uma 21:14; 22:3) isa mul'ate yaada Waaqayyoof deebii kennuu.

▣ **“Sababii kanaatiif namoonni baay'ee sodaatan”** Lakk.4-6 irrattiamantii Abimeleek qofa miti kan ilaalamu. Haa ta'u malee, amantii guutummaa maatii isaati lakkoofsa kana irratti kan ka'ame. Innis lakkoofsa 11 irratti ibsa Abirahaamiin ejersa godha.

20:9-10 Gaaffoollee walittii aansani jiran sadan Abimelek kan inni argisiisu, gocha Abrahaam isa sirrii hin tanee dha, Faarihoon duran dursee boqonnaa 12 irratti akka godhedha.

20:10 **“Mormii”** namoonni tokko tokko kana raajii mull'ataa godhu. Haa ta'u malee beektonni baay'een kana kan isaan fudhatan “Ati yeroo darbe waan miidhamtemaal qabda, akkaataa kanaan akka ati gootuuf kan si agarsiise?”

20:11-12 Abirahaamis yaadota sadiif ibsa kenneera. Maaliif akkas akka godhe sadan isaas sirrii hin fakkaatu. Sodaan ykn du'i immoo lakk.12:12 fi Hisqiy 26:7 irratti galmeeffameera.

20:13 **“Waaqayyo akka ani naanna'u yeroo na godhetti”** hiika Ingiliffaatiin kan inni ittiin fakkeeffamu akkaataa kanaan akka godhu kan ta'e dogoggoraan akka ta'eedha. Innis kan inni nutty agarsiisu ykn yaadachiisu Addaam waaqayyoon akka dabaabesseedha. (S.U.3:12) yoo ta'e iyyuu sirrummaa kan hin qabne karaa kanaan yommuu hubannuudha. Sirrii kan ta'e maqaa Heloohim jedhuudha.faaayidaa kana irra kan oole kan itti aanu himoota baay'eedhaaniidha. (BDB 1073, KB 1766, *Hiphil* PERFECT PLURAL),innis sirriitti kan hib baramne Yihuudotaaf Waaqa kan Isiraa'eliin agarsiisuufiidha. Namoonni tokko tokko akka jedhanitti inni kan Abiimeleek Waaqayyoolii baay'een sadarkaa sanitti bu'eera jedhu. (SR driver) ta'ees abimeleek hubannaa kan inni qabu Waaqa dhugaa beekumsa waan qabu fakkaata. Kitaabota kan isaan qaban dachaan kun darbee darbee yoo ta'e iyyuu kan beekame miti.Waaqayyo ilaalchisee (UMA 1:26,11:7, 35;7 2^{ffaa}Saam.7:23). Waldaan Kiristiyaanaa Kakuu Moofaa lakkoofsa baay'ee keessatti kan inni ittiin hiikamu qaama Sadan Waaqa tokkichaa (Trinity) hundee amantii (doktirinii) dha.

Mata Dure addaa: Sadan Waaqa tokkicha (Trinity)

Qaamota Sadan Waaqa tokkichaa (Trinity) hojii isaani sadan lakk. 4-6 hubadhu. “Sillaase” jechi jedhu jalqaba irratti kan inni fudhatame namicha Turtuuliyaa jedhamuudhaan jecha maacafa qulqulluu miti haa ta'u iyyuu malee yaadni isaa babal'ateera.

- A. Wangeeloota
 - 1. Mateewoos 3:16-17,28:19
 - 2. Yohannis 14:26,
- B. Hojii Ergamoota 2:32-33, 38:39
 - 1. Phawuloos
 - 2. Rom1:4-5, 5:1-5,8:1-4,8:10
 - 3. 1 Qor 2:8-10, 12:4-6
 - 4. 2^{ffaa} Qor 1:21,13:14
 - 5. Galaatiyaa 4:4-6
 - 6. Efesoon 1:3-14,17, 2:18,3:14-17,4:4-6
 - 7. 1 Tasaloonqee 1:2-5
 - 8. 2^{ffaa} Tasaloonqee 2:13
 - 9. Tiitoo 3:4-6
- C. Pheexiroos 1 Phexiroos 1:2
- D. Yihuudaa lakk.20:21

Innis Kakuu Moofaa keessatti caqafameera.

A. Waaqayyoo lakkoofsa baayyee fayyadamuu

1. Maqaan Elohiim jedhamu lakkoofsa baayyeedha, garuu Waaqayyoo bu'a irra yemmuu ooluu jecha qeenxeedhaanidha.
2. "Nuti" Seera Uumamaa 1:26-27, 3:22,11:7
3. "Tokko" keessa deebii 6:4 kan baayyeedha. (akka Seera Uumamaa 2:24, Hizira 37:17)

B. Ergamaan Waaqayyoo kan inni mul'atu bakka bu'insa Waaqummaa Waaqayyoon

1. Seera Uumamaa 16:7-13,22:11-15,31:11-13,48:15-16
2. Seera ba'u 3:2-4,13:21,14:19
3. Abboota firdii 2:1,6:22-23,13:3-22
4. Zakariyaas 3:1-2

C. Waaqayyoo afuuri adda addaa Uumamaa 1:1-2 Faarfannaa 104:30, Isaayas 63:9-11, Iziraa 37:13-14

D. Waaqayyoo (Yaahiwwee) fi kan dibame (Adonay) adda addaa, Faarfanna 45:6-7, 10:1, Zakariyaa 2:8-11, 10:9-12

E. Kan dibamee fi afuuri garaagara Zakariyaas 12:10

F. Sadan isaa caqafameera Isayaas 48:16,61:1

Ergaan humna Waaqummaa fi qaama afuura qulqulluu warra duraaf jaba tokkummaa (Waaqa tookko) amantootati rakkoo uumeera.

1. Teertuutoota – ilma gara abbaatti siqsiisa
2. Oriigini – ilma fi afuura Waaqummaa gara yaadati buta.
3. Oriyoos – Humna fi afuura Waaqummaa ganeera.
4. Moonarkummaa – Bakka bu'ummaa Waaqayyooti ni amanu

Karaa seenatiin Sadan Waaqa tokkichaa (Trinity)n baballa'achaa kan dhufe dha, qabiinsa Macaafa qulqulluu irraa.

1. Humna guutuuma Waaqummaa Yesuus, walqixxummaa abbaa walitti qabama Niiqiyaa bara 325 jbateera.
2. Guutummaa qaama afuura abbaa fi ilma walqixa ta'uu isaa walitti qabama warra Qusxanxiyaa (bara381) jabaatera.
3. Mallattoon guutummaa Sadan Waaqa tokkichaa (Trinity) barreefama Agusxiinoos waa'ee Sadan Waaqa tokkichaa (Trinity) irratti ibsameera.

As irratti dhoksaan dubbii sirritti jira. Garuu Akiin kan inni fakkaatu yaada Waaqummaa tokko qaama barabaraa ta'e sadiin argamuu isaa kan jajjabeesu fakkaata.

■ **“Biyya galle hundumaati kafaltii anaas kafaltu kana dha”** kun kan inni agarsiisuu yaada “Abrahaamii fi Saaraan waligaltee isaan godhanidha” kanaaf obboleessummaa fi obboleetummaa; Kadaawiyaa Uri jedhamu erga gadhiisani eegalee.

20:14 Kun sirritti kan inni irra deebi'uu Fari'oon Abrahaam 12:16 irratti kan inni godhe dha.

Warreen kun dabalata beektoota ammayyaa barrisoota warren gara lixaa dha. Peentaateetota kan qopheese gaafii jedhu sababii kana ta'eef. Humna Waaqummaaf maqaa adda addaa ta'uuf jechi dachaan kun sababii ta'eera. Barreesitooni baayyeen/qopheesitooni kan kan jedhu yaada ka'umsa ka'uuf (Doktar atlii isaa irratti, asi irratti. Itti gala isaa irratti (Barreessa isaa) yaada isaa irratti Uumamaa 1-11, ni argama akkasumas ibsa gabaaba barressuus jechoota cicimoo kitaaba qulqulluu fuula 118-120.

20:16 **“Qarshii madaalii kuma tokko”** hiikaa baayyee isaan tilmaaman “Sheekliil” jechi jedhu asirratti kan inni ta'e, inni jecha beekama yemmuu tau “sibiloota jaboof madaa,ii” warren gara lixaati (mata dure addaa 18:6 irra ilaalitii barrefamootni baayyeen jiru, yaadannoo kan ta'an, garuu sirriiti kan waal hin qabanne (Uumamaa 37:28, Moototaa 17:2,3,4,10)

■

NASB, NKJV,

NRSV

TEV

NJB

“Qulqullummaa kee”

“Qulqullummaa”

“Ati qulqulluu ta'ukee”

“Ati qlqullummaa guutuu ta'ukee”

Kennaa addaa Abiimelek ta'uuf ta'uu dhiisuu isaa mirkanaa miti, inni tokkoffaan Abrahaamiif (lakk.14) akkasumas inni biraan Saaraaf Lakk.16) yookaan akka kennaati; gatiin qarshii isaa as lakkoofsa kana irratti galma'e. Ani dhuunfaa kooti kanan amanu kennaa addaa ta'uu isaati. "qulqullummakee" jechi jedhu akkasumaan "ija keef golgee" (ka'umsa BDB 492 fi 744), innis jechoota warra Ibiroota kan ta'e, qulqullummaa Saaraa guutummaan agarsiisuus, qaanii ga'uuf ture deebisuuf.

20:17 "Waaqayyoos Abiimelekiin hin fayyise" Abimelekiin dhukkuba qaba kam akka ta'e hiin beeknu; akkasumas maatii isaa garuu dhala godhachuuf hin dandeesiisne. Waluma galatti kun karaa tokkodha, Waaqayyoo Saaraa wajjiin walqunaamtii akka hin goone karaa godhe. Darbees lakk. 17 fi 18 irratti kan ilaaluu maseenummaan kan inni mul'atu Waaqa biraa yoo ta'e abaarsadha. Kun sabaabii isa tokkooffa dha. Abrahaam ayyaana sagalee Waaqayyoo lamanuuf kan inni rakkiseen; Saaraan dhabduu ta'uu isheetiif.

20:18 "Waaqayyo gadameessa hundumaa cufee ture" kun kan hin murtoofne kan hin nraawwanne yemmuu ta'u akkasumas hima raawwate dha, kan walfakkaatu (BDB 783 fi 870), innis hima jechichaa kan jabeessu.

Himni kun boqonnaa 20 keessatti qofadha, maqaa ergaa kakuun, Yaahiwwee, Samraawootaaa Peenteetiyyoota fi kan murta'e LXX barrefamoota gogaa irratti barreefaman durii irratti Elohiimiin qaba. Yaada mare

Yaadni qajeelfama hiikaa qo'annoo kanaa yemmuu ta'u, kana jechuunis garuuu macaafa qulqulluu qofaati hiikuuf itti gaafatamummaa isaa fudhata jechuu dha. Tokko tokkoon keenya ifa nuuf kennameen deemuu qabna. Dursanii warren hiikaan ati macaafa qulqulluu fi afuura qulqulluu dha. Kanas deebistee warren hiikaan irratti deebistee hiikaa biraatiin akka hin fudhaanne gaafiin yaada mare kanaa kutaa kitaaba kanaaf kennaman dhimmoota ijoo ta'an sirritti akka hubbatuuf akka sii gargaaruufi dha. Kana jechunis sirritti akka xiinxaltuuf kakaasuuf malee kana duwwaatiin akka murtooftuuf miti.

GAAFFILEE MAREE

Kun qajeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan.

1. Abrahaam Saaraan akka obboleeti isaa taate maaliif beeksiise?
2. Kana Saaraa irratti si'a lama akkasumas Ribqaa irratti yeroo tokko ga'uu isaa akkamiin ibsita?
3. Saaraan eegamuun ishee faayidaan ergaa isaa ifaa ta'uun isaa maaliifii?

SEERA UUMAMAA 21

HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

NASB	NKJV	NRSV	NET	NJB (follows MT)
Yisaaq ni dhalate 21:1-7	Yisaaq ni dhalate 21:1-7	Yisaaq fi Ismaa'el 21:1-7	Dhalootee Yisaaq 21:1-7 21:8	Dhalootee Yisaaq 21:1-7 (6-7)
21:8				
Saaraan Aggaar irratti kaate 21:9-14	Aggaarii fi Ismaa'el gargar ba'an 21:8-14	21:8-14	Aggaarii fi Ismaa'eel manaa hari'ataman 21:9-13 21:14-16	Aggaarii fi Ismaa'eel manaa hari'amuu 21:8-14a 21:14b-16 21:17-19
21:15-19	21:15-21	21:15-19	21:17-21	21:17-19
21:20-21		21:20-21		21:20-21
Abimeleekii Kakuu 21:22-26	wajjin Abimeleekii Kakuu 21:22-34	wajjin Abrihaam wajjin 21:22-24 21:25-34	Abiimalekii waldhibuu Walii galtee Abrihamii fi Abiimeleekii gidduu 21:22-23 21:24 21:25-29 21:30-31 21:32-34	Abrihamii fi Abiimeleekii Bersaabeetti 21:22-24 21:25-31 21:32-34
21:27-34				

DUBBISA MARSAA SADA (fuula xxiv irraa)

SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHA A ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra

hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoo
2. Keeyyata lamma
3. Keyyata sada
4. kkk

QAYYABANNAA JECHAA FI GAALLEE

MACAAFA QULQULLUU HIIKA HAARAA: 21: 1-7

¹Waaqayyo akkuma abdachiisee ture Saaraa in yaadate akkuma dubbates isheedhaa in godhe. ²Erga Abrahaam dulloomee yeroo itti Waaqayyo, “Haati manaa kee ilma in deessi” jedhee isatti dubbatee turetti Saaraan ulfooftee ilmas in deesseef. ³Abrahaamis maqaa ilma isaaf dhalate isa Saaraan deesseefii sana “Yisihaq” jedhe moggaasse; [“Yisihaq” jechuun “in kolfa” jechuudha]. ⁴Akkuma Waaqayyo isaaf abboomee turetti, ilma isaa Yisihaqdhalatee guyyaa saddeetitti, Abrahaam dhagna isa qabe. ⁵Yeroo ilma isaa Yisihaaq dhalateef, Abrahaam nama waggaa dhibbaa ture. ⁶Saaraannis, “Waaqayyo sababi ani ittiin kolfu anaaf kenne, warri dhaga’an hundinuus anaa wajjin in kolfu” jette. ⁷Itti dabaltees, “Saaraan mucaa hoosisuuf jetti’ jedhee Abrahaamitti himuu eenyutu yaade ree? Ani garuu bara dulluma isaatti ilma da’eeraaf!” jette.

21:1

NASB

“Kana boodde Waaqayyo Saaraa yaadate”

NKJV

“Waaqayyos Saaraa daawwate”

NRSV

“Waaqayyos Saaraadha godhe”

NET

“Waaqayyos Saaraa eebbise”

TEV

“YHWH akkuma dubbate Saaraadhaa ni godhe”

Yaahiween jecha cimsuuf si’a lama ibsameera. Mucaan kun dandeettii isaatiin kan ta’eedha. Gochimni isaa ifatti “daawwate kan jedhu” (BDB 823, KB 955, kan hin raawwatamne dha). Kun kan inni yeeroo hunda faayidaa irra oolu yeroo Waaqayyo nama tokko eebbisuu fi yookiin itti faraduf dhiyaateedha. Karaa sirriitti Seera Uumamaa 15:24-25 fi Bau13:19 fudhachuu danda’a. Haata’u malee, kun nuyi irratti xiyyeeffachuu qabnu, jechi kun jechi kun yeroo hunda hojii irra kan oolu haala firdii ibsuudhaaf.

☐ “Innis akkum abdachiisee turetti”kun gara caalu kan inni ibsu Seera Uumamaa 18:10-15 dha. Innis Saaraan kan mucaa abdiiti Seera Uumama 31:2, Ibr 11:11). Innis immoo abdi Waaqayyo Abrahaamiif Seera Uumamaa 12, 15 fi 17 irratti kennameedha.

21:2 “Yeroo murteeffametti” Kun gara caalu kan inni ibsu Sera. Uma 17:21 fi 18:10, 14 dha. Akkan ani amanutti yerichi kun kan inni ibsu yericha ulfaa’u ji’cha sagaliiti.

21:3 “Yisihaaq” Maqaan isaa 17:19, 21. Irratti kennameera. Kanaannis moggaafame maqaas maqaa “kolfuu” jedhe irratti (BDB 850) akkasumas kan inni walitti qabatu kolfa Abrahaam 17:17 irra jiru fi kolfa Saaraa 18:15 irra jiruu wajjin.

21:4 “Abrahaam mucaa isaa dhagna isa qabe” Kun mal’attoo kakuu YHWH dhaan kennameedha. Kunis kan inni raawwatame yeroo mucichi waggaa saddeetti ta’ettidha akkuma Waaqayyo abboometti (17:9-14) akka Seera Uumamaa 17:25 tti. Warri Arabaa ijoollee isaanii kudha sadiitti dhagna qabu kanas immoo dhagna qabaa Ismaa’eeliin hordofaniiti. Namoonni Bahaa duri ijoollee isaannii dhagna ni qabu, garuu umurii fi kaayyoo adda addaa irratti hundaa’anii. warra Filsisxeemotaa fi warra Hewayitaa (Hivites) duwwaattu dhagna hin qabatu (Serea Umama boqonnaa 34 illali).

21:5 Itti dabalees, umuriin Abrahaamf kenname (17:17) ayyaana abdi Waaqayyo kenne mul’isuuf malee y

21:6 Toorri jechootaa jira

1. Abrahaamii fi Saaraan kolfuun isaanii mullata shakkii Waaqayyo irratti mul'isaniiru 17:17 fi 18:12 irratti.
2. Mucichi “kolfuu” jedhamee moggaafameera.
3. Kolfi Saaraadhaaf mallattoo gammachuu ishee ibsudha. Dhuma irratti mucaa kan ishee argachuutti namoonni бага gammadde jedhaniiruun.
4. Haala Aggaar ishee irratti mullifteen kolfi gama qajeelaa hin taaneen fudhatameera lakk 9 irratti

21:7 “Saaraan mucaa hoosisuuf jetti” Mucaa jechi jedhu lakkoofsa beey'edha. Afaan warra Ibratti, jechoota lakkoofsa baay'ee ibsan heedduu qaba. Kan inni ibsuu barbaadus (1) waantota cimtii ta'an (ija, gurra, harka) fi (2) jecha jabeessuudhaaf (fakkeenyaaf baay'ee sodaachisa ulfina surraa).

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa: 21:8-14

⁸Yisihaaq guddattee harma in guusifame; Abrahaamis gaafa mucichi harma guusifame, cidha guddaa godhee in nyaachise. ⁹Saaraan garuu, ilmi Aggaar isheen Gibxittii sanaa inni isheen Abrahaamii deesse, tapha godhee utuu taphatuu argite; ¹⁰Kanaafis Abrahaamiin, “Ilmi xombooree kana ilma ishee wajjin manaa baasi!” jette. ¹¹Dubbiin waa'ee Ismaa'eel ilma isaatii kun Abrahaamiin baay'ee in rakkise. ¹²Waaqayyo garuu Abrahaamiin “waa'een mucaa fi waa'een xombooree keetii si hin rakkisin! Sanyiin kee Yisihaaqiin waan waamamuuf, waanuma Saaraan sitti himte dhaga'i!” ¹³Ilmi xomboorettiis dhale kee waan ta'eef, isas immoo saba tokko nan godha” jedhe. ¹⁴Abrahaamis ganama bariidhaan ka'ee, buddeenii fi bishaan qalqala tokko Aggaariif kennee, ishee adeemsise; isheenis achii baatee lafaa bersheebaa keessa in joorte.

21:8 “mucichi harma guusifame, cidha guddaa godhee in nyaachise” haala caaffata yeroo sanaa irraa kan nuyi hubannu, guyyaa mucaan harma guusifamu cidha qopheessuun kan beekameedha (raga ittiin lubbuudhaan turuu mirkaneeffataniidha) haa ta'u malee, harma guusisuun waggaa lama yookiin sadii ta'uu danda'a (II Maqqabotaa. 7:27 ilaali).

21:9 “Saaraan garuu, ilmi Aggaar isheen Gibxittii sanaa inni isheen Abrahaamii deesse, tapha godhee utuu taphatuu argite” jechi kun gama lamatti ibsama Akka NKJV “kolfuu” yommuu ta'u akka NRSV fi NET tti immoo “yemuu taphatu” kan jedhu dha. Inni LXX (Septuagint) jecha “mucaa ishee wajjin yommuu taphatu” jedhu fayyadama. Jechi Warra Ibrootaa kan hiiki isaa “kolfuu” dha (BDB 850), garuu hundee *Piel* (KB 1019) kan inni ta'uu danda'u “qoosuu” dha Uma. 19:14; Ba'u. 32:6; Abo. 16:23), garuu sababa Gala. 4:29, fi qoosaa Aggaariif Uma 16:4, 5, kan inni ta'uu danda'u warri Rabbii kan isaan 2 Samuu'eel 2:14 fi Fakke. 26:19 caqasan fakkeenya faallaa ta'eedhaaf.

21:10 “xombooree kana ilma ishee wajjin manaa baasi” goochmini kun *Piel* gosa adda biraa (BDB 176, KB 204) fi IMPERATIVE yeroo ta'u akkasumas kan ilaalamuu qabu (Gal. 4:30) dha. Akka barreeffama Nuziitti yoo ta'e kun gocha seeraan alaati. Haa ta'u malee ragaalee seeraa “Lipit-ishtar” kan jedhu dhaala hiruu yookiin bilisummaa isaanii kennuudha. Karaa inni sirriin ijoollee masaanuu irraa dhaalataniif dha.

21:11 Abrahaam Ismaa'eeliin ni jaallata. (Uma. 17:18), akkuma Yaahiween jaallatu (Uma 17:20; 21:3, 18, 20). Abrahaam gaafiin Saaraa barbaachisaa akka hin taane itti dhaga'ameera gara caalus akka sirrii hin taane yaadeera (Se. Lakkofsa. 11:10; I Saamu. 1:8).

21:12 Waaqayyo Abrahaamii abboomiilee lama kenneeraaf.

1. “Hin dhiphatin” BDB 949, KB 1269, *Qal* IMPERFECT haala JUSSIVE kan itti gargaaramame. Gochamni kun lakk 11 irratti kan gale. Abrahaam gaafii (abboomii) Saaraa akka hin fudhanne kan hibsudha.
2. “Ishee dhaga'i” BDB 1033, KB 1570, *Qal* IMPERATIVE, “dhaga'i”) kan jedhudha.

☐ **“Waan Saaraan sitti himte hunda”** kun kan inni ibsu Waaqayyo yaada Saaraan dhiyeessite fudhachuu isaati. Kana jechuun garuu yaadi Saaraa sirriidha jechuu miti. Haa ta’u malee nuyi yaadicha guutummaa guutuutti hin beeknu. Tarii isheenis akka Ribqaa booda abdi kakuuchaa eeguuf jettii ta’a (boqonnaa 27).

21:13 “Inni dhala keeti” Sababa Abbaa isaa Abrahaam Waaqayyoo Ismaa’eeliin ni eebbisa. Uma. 16:11-12 irratti jireenyi isaa raajiidhaan ibsameera. Akkuma kan Looxi ta’e 19:29 irratti. Walitti dhufeenyi Ismaa’eel Abrahaamii wajjin qabu sababa eebbifamuu isaa ra’eef.

21:14 “Qalqaloo bishaanii” Jechi kun (CONSTRUCT BDB 332 fi BDB 565) Kakuu Moofaa keessatti bakka kana qofaatti ibsame lakkoofsa 14, 15, 19. Kun kan inni ibsuu gogaa hoolaa irraa hodhamee qalqaloo bishaanii ta’uu isaati.

☐ **“ishee baachisee”** Kun Septuagint fi Syriac kan isaan hiikan qulqulluu bishaan qofa utuu hin taane Ismaa’eelins akka ishee baachiseedha. Haala yaada barreeffamichaa irraa kan hubannu Ismaa’eel nama umurii 15 fi 17 gidduudha. Haati isaas isa baachuudhaaf itti ulfaata. Kanaaf kun tarii qophe adeemsaaf ta’u ibsuu danda’a.

☐ **“isheenis achii baatee lafaa bersheebaa keessa in joorte”** lakkofsa 31 ilaali.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa: 21:15-19

¹⁵Yeroo bishaanichi qalqala keessaa dhumeetti Aggaar mucicha Huxxii tokko jalatti gate. ¹⁶kana booddee hama darba-eeboo irraa fagaattee fuulla isaa dhaqxee teesse; isheen, “yommuu mucichi du’uu taa’ee hin ilaalu! “ waan jetteef, fuullee isaa teessee sagalee ishee olfuutee in boosse. ¹⁷Waaqayyo sagalee boo’icha mucichaa in dhaga’e; ergamaan Waaqayyoo bantiiwwan waaqaa keessaa Aggaariin waame, “Aggaar maal taate?” mucichi iddoo jirutti sagalee isaa dhaga’eeraati hin sodaatin! ¹⁸ani saba guddaa isa gochuufan jira, ka’i mucicha ol fuudhi, harka keetiinis jabeessii isa qabi! Jedheen. ¹⁹Yommuu Waaqayyo ija ishee in baneef; isheenis boolla bishaanii tokko in argite dhaqxee bishaan qalqalichatti guutte mucichas in obaafte.

21:15

NASB, NET

“Dhiisu”

NKJV

“Kaa’uu”

NRSV

“Gatuu”

TEV

“Dhiisuu”

Jechi (BDB 1020) gatuu ibsa (Ba’u. 1:22; Isaa. 71:9; Erm. 38:6, 9; Eziq. 16:5), kun isa du’a isaa agarsiisa.

21:16 “hama darba-eeboo irraa fagaattee” goochmi kun (BDB 377, KB 373, *Polel* PARTICIPLE) darbee darbee kan mullatu Kakuu Moofaa keessatti iddoo kana kana qofa keessatti.

☐ **“sagalee ishee olfuutee in boosse”** Bakka kanatti barreeffamichi bita namatti gala, sababni isaa jechi inni ergamaa Waaqayyoo jedhu waan sagalee mucichaa dhaga’eef fakkaata utuu sagaleen haadhaa qofti dhaga’amaa jiruu. Haa ta’u malee kan nuyi yaaduu qabnu barreeffamichi ibsa haalichaa fi gocha turanitti. Ergamaan Waaqayyoo Aggaariin erra deddebi’ee haasoofsiiseera. Akkuma 16:6 irratti godhe. Innis jaalala Waaqayyoo Abrahamii wajjin jiru ibsa.

21:17-18 Waaqayyo Aggaariin asoofsiise

1. “Maal taatteetta” (goochima hin qabu)
2. Hin sodaatin BDB 431, KB 432, *Qal* IMPERFECT haala JUSSIVE, kan gale 15:1 irraa hundee tokkicha; 26:24; 46:3
3. “ka’i” BDB 877, KB 1086, *Qal* IMPERATIVE
4. “mucichas kaasi” BDB 669, KB 724, *Qal* IMPERATIVE
5. “Harka keetiin isa qabi” BDB 304, KB 302, *Hiphil* IMPERATIVE kun kan inni ibsu akka isheen isa kunuunsituuf nyaachiftuufiidha.

21:17 *Elohim* fi ergamaan Waaqayyoo akkaataa jarri itti ibsaman agarsiisa. (jechuunnis isaan ulaa Waaqayyoo keessaa isa dubbatu) garuu gargar ba'aniiti (Ba'u. 3:2;4). Mataduree addaa Ergamaa Waaqayyoo isa jedhu 12:7 irraa ilaali.

▣ **“Waaqayyo dhaga'eera”** kun toora jecha maqaa Ismaa'eel keessa jirudha (Uma 16:11) goochmini “dhaga'u” jedhu (BDB 1033), “Ismaa'el” (BDB 1035), fi “Waaqayyo dhaga'e” jedhu, hundee tokkicha irraa dhufuun nisaanii ni beekama.

21:18 “ani saba guddaa isa gochuufan jira” goochimni isaa (BDB 962, KB 1321, *Qal* IMPERFECT) hiikni isaa “gurmeessuu” yookiin “kaa'uu” dha 21:13; 46:3. Kun goochima walfakkaataa miti isa (BDB 793, KB 889, *Qal* IMPERFECT yaada walfakkaatuun kan gale isa kakuu YHWH Abrahaamiif gale wajjin akkasuma isa 2:2 yookiins 18:18 (BDB 224, KB 243, *Qal* INFINITIVE ABSOLUTE) wajjin.

21:19 Lakkoofsa 19 irratti mul'ata ajaaybsiisaa ta'uun isaa ykn burqaa bidhaanii kanaan duraa hin turre kennuun nama tokko dinqisiisuu danda'a. jechumti walfakkaataan kun Seera Uumamaa 3:5 fi II Moto. 6:15-19 irratti hojii irra ooleera.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa: 21:20-21

²⁰Waaqayyo mucichaa wajjin ture innis in guddate; innis lafa onaa keessa jiraate, nama xiyya darbachuutti beekame in ta'e. ²¹Inni Faaraan lafa onaaa keessa jiraate; haati isaa durba warra Gibxii isa hin fuusifte.

21:20 Akkaataan dubbichaa “²⁰Waaqayyo mucichaa wajjin ture” jedhu waa'ee Yaaqoobiif (Uma. 28:15) fi Yoseef (Uma. 39:2, 3, 21) hojii irra ooleera. Kunis kan inni ibsu waa'ee argamuu fi kunuunsa Waaqayyooti (21:22 hubadhu). Ismaa'eel eebba Abrahaamii irraa qooda argateera.

21:21 “haati isaa durba warra Gibxii isa hin fuusifte” Kun kan inni ta'uun irra ture eebba isaatiin akka ta'e ifaadha. Garuu dhimma kana ilaallatee Aggaar Ismaa'eeliif sanyii ishee keessa durba filatteettiif.

MACAFA QULQULLUU HIIKA HAARAA: 21:22-26

²²Yeroo sanatti Abimeleek mootichi Fikool abbaa duulaa isaa biratti Abrahaamiin “Waaqayyo waan ati hojjettu hundumaatti si wajjin jira; 23 akkuma ani amanamummaa si agarsiise, atis anatti, biyya gala taatee keessa teessettis agarsiisi! Ana irratti dhaala koo irratti, sanyii koo irrattis haxxummaadhaan akka hin hojjenne, amma asitti maqaa Waaqayyootiin anaaf kakadhu!” jedheen. 24 Abrahaamis, “Tole ani siif nan kakadha!” jedheen. 25 Achumaan immoo Abrahaam waa'ee boolla bishanii isa hojjettoonni Abimeleek isa irraa fudhatan tokkoof Abrahaamiin komate. 26 Abimeleek, “Eenyuu kana akka godhe ani hin beeku, ati immoo anatti hin himne anis amma har'aatti kana hin dhageenye” jedheen.

21:22 “Abimeleek fi Fikool” Maqooliin kun lamaan dhimma Yisihaaqii fi dhimma waa'ee boolla bishaan Bersaabeeh waliin qabatee Uma. 26:26 irratti caqasaameera. Maqootiin kun mootiifis ta'e hoggantootaaf ibsa maqaa guutummaati. Akka ibsa macaafa Ibra Seera Uumaamaatti namoonni kun tarii waggaa baay'ee jiraataniiru ta'a.

▣ **“Waaqayyo waan ati hojjettu hundumaatti si wajjin jira”** Kakuun kun Abrahaamiif qofa miti kan inni kenname Yisihaaqiifis malee (Uma. 26:28).

21:25 “Abrahaam Abrahaamiin komate” jechi kun iddoo kana irratti komee fakkaata (BDB 406, KB 410, Hiphil PERFECT). Boolla bishaanii irratti waliutti bu'uun naannoo lafa gammoojjii irratti beekamaadha haa ta'u malee deebiin Abimeleek kan inni ibsu akka inni rakkoo kana hin beeknee fi ammas dabalee Abraami wajjin kakuu waliif galuu barbaachuu isaati “kakuu, “ BDB 989, KB 1396, Niphal IMPERATIVE, lakk. 23).

MACAFA QULQULLUU HIIKA HAARAA: 21:27-34

²⁷Yommus Abrahaam hoolota sangootas geessee Abiimeleekiif kenne, isaan lamaanuus kakuudhaan waliin ingalan. ²⁸Abrahaam hoolota goromtii torba karra sana irratti addan baasee dhaabe. ²⁹Abiimeleeki immoo Abrahaamiin, “Hoolonni goromtiin torba ati addaan baaftee dhaabde kun immoo maali?” jedhe. ³⁰Inni immoo deebisee, “Ani boollota bishaanii kana qotuu koo dhugaa Ba’uu f akka ta’utti, hoolota goromtii torbaan kana ana harkaa fudhadhu!” jedhe. ³¹Kanaafis jarri lamaan achitti waan waliif kakataniif, iddoon sun “Bersheebaa” jedhame; [“Bersheebaa” jechuunn “Boolla bishaan kakuu” jechuudha]. ³²Bersheebaatti kakuudhaan erga walii galanii booddees Abiimeleekii fi Fiikool abbaan duulaa isaa ka’anii, gara biyya warra Filisxiyaatti deebe’an. ³³Yommus Abrahaam iddoo “Bersheebaa” jedhame kana muka lafa onaa tokko in dhaabe; achittis maqaa Waaqayyo bara baraan jiraatu in waammate. ³⁴Kana booddees Abrahaam biyya warra Filisxiyaa keessa bara baay’eedhaaf gala ta’ee in jiraate.

21:27 “lamaanuus kakuudhaan waliin ingalan” walumaa galatti, lakkoofsa 27 irratti hoolonni ibsaman kakicha raawwachuudhaaf bakka lama lamatti in kutamu (Mataduree addaa : Kakuu13:14 irratti ilaali).

21:28 “hoolota goromtii torba” kun lakkoofsa 27 irraa kutaa adda ta’eedha sababni dhimma boolla bishaanii Bersheebaa waliin waan wal qabatuuf. Maqaan Bersheebaa jedhu sababi dhimma gurguddaa lama irraa kan dhufedha. (1) boolla bishaanii torbaniif 21:28 yookiins (2) Boolla bishaanii kakuu 26:33 keessatti (“torba” [BDB 987] fi “kakachuu” [BDB 989] afaan Ibratti wal fakkaa dha).

21:32 “warra Filisxiyaa” Ibsitoonni heedduun kan isaan jedhan, warri Filisxiyaa gara lafa sanaa dhaqan lakkoofsi isaanii baay’ee akka hin taaneedha. Ammam dubbichi dhugaa yoo ta’e iyyuu saboonni Aegyaa kun nama biraaf qacaramanii hojjechuun isaanii kan inni mul’isu jaarraa 12^{ffaa} dura lakkoofsi isaanii muuraasa akka ta’edha. Kana jechuunnis tarii wereera biyya Gibxii booda naannoo kana akka buufatan ta’uu danda’a yokiin yeroo isaa hin beekamu ta’a.

21:33 “kana muka lafa onaa tokko in dhaabe” kun waa lamaaf fakkeenya ta’a.

1. Boollii bishaanii jiraachuun yeroo hunda iddoo qulqullaa’oo wajjin walitti fakkeeffama (Waaqayyo Aggaarii fi Ismaa’eelii akkasumas Abrahaamiif bishaan kenneera).
2. Abrahaam namni bakka dhaabbataa hin qabne iddoo kana yeroo hin murteeffamneedhaaf jiraachuudhaaf karoorfate.

▣ **“maqaa Waaqayyo in waammate” Maqichi maqaa** Waaqayyo kakuuti YHWH (BDB 42). Kun kan inni ibsu iddoo waaqeffannaati (Uma. 4:26; 12:8). Innis immoo isa Nohi Uma 8:20 irratti godhee wajjin wal fakkaata.

▣ **“bara baraan jiraatu” Maqaan Waaqayyo kun iddoo kana qofatti argama. Innis kan inni argamu jecha Ibra El** (BDB 42) fi *’olam* (BDB 761) jedhaman irrati. Jechi *El* jedhu mataduree heedduu Seera Uumamaa keessatti makamee jira. Amala Waaqayyoo ibsuudhaaf (1) *El Shaddai* (BDB 42 fi 994), 17:1; 43:14 akkasuma Ba’u. 3; (2) *El Elyon* (BDB 42 fi 751 II), 14:18-24; (3) *El Roi* (BDB 42 fi 909), 16:13; (4) *El Bethel* (BDB 42 fi 110), 31:13; 35:7. Jechi *El* jedhu guutummaa maqaa Waaqayyooti biyya kara bahaa bara duriitti. (Mata duree addaa 12:1 irraa ilaali).

Maqaan *’olam* jedhu (BDB 761)hiikni issaa jecha “kan dhokate” jedhu yommuu ta’u kan inni mul’isu immoo dhimma duraan darbe ykn dhimma garfuulduraa ta’u ta’uu ni danda’a. Kan inni hojii irra oolus yaada “kan bara baraa” jedhuun. Haa ta’u illee malee, hiikni isaa sirriitti adda ba’ee yaada guutummaa barreeffamichaa keessaa mirkanaa’uu qaba. Mataduree Addaa 13:14 irraa illaali.

GAAFFILEE MAREE

Kun qajeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan.

1. Boqonnaa 20 waa’ee Abrahaamiif yaada negative ta’e dha?
2. Abiimeeleeki Adonayiin nin beeka?

3. Abiimeleek Saara utuu dulloomtee jirtuu isheenis “Ani dulloomeera” utuu jettuu akka haadha manaatti maaliif fudhate (18:12)?
4. Raajii jechi jedhu maal jechuudhaaf, Abrahaamis moggaasni kun akkamiin kennamuufii danda’e?
5. Abrahaam lakk 11-13 Abiimeleekiin gowwomsuu kan inni itti yaalii taasise sababilee sadan caqasi.
6. Saaraan Aggaarii fi Ismaa’eel akka manaa ba’an maaliif gaafatte?

SEERA UUMAMAA 22

HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

NASB	NKJV	NRSV	NET	NJB (follows MT)
Du'uu Yishaaq	Amantiin Abrihaam ni mirkanaa'e	ni Qoramuu Abrihaam	Yisaaqiin akka aarsuuf Abrihaam Waaqayyo Abrihaamiin abboome	Aarsaa Abrihaam
22:1-8	22:1-2	22:1-8	22:1 22:2 22:3-5 22:6-7a 22:7b 22:7	22:1-2 22:3-5 22:6-8 22:9-10
22:9-14	22:9-14	22:9-14	22:8 22:9-11a 22:11b	22:11-14 22:15-18
22:15-19	22:15-19 Maatii Naakoor	22:15-19 Oboleessa Abrihamii sanyii Naakoor	22:1222:13:-14 22:15-19 Sanyii Naakoor	22:19 Sanyii Naakoor
22:20-24	22:20-24	22:20-24	22:20-24	22:20-24

DUBBISA MARSAA SADA (fuula xxiv irraa)

SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAH ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkoo
2. Keeyyata lamma
3. Keyyata sada
4. kkk

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa: 22:1-8

¹ Waaqayyoo yemmuus Museeti in dubbate ² “Ani Waaqayyoodha Haarooni fi ilmaan isaa maqaakoo akka hin xureesinitti kennaa qulqul’aa namoonni Isiraa’eel anaaf addaan baasaan akka safeefatan itti himi. ³ Ati isaaniin Waaqayyoo akkana jedha ani Waaqayyoodha dhaloota amma dhalootaati guutumma sanyii keessani keessa name tokkoo sseeran utuu hin qulqulla’iin wanta qulqula’aa namootni Isira’eel ana Waaqayyooof addaan baasanitti yoo dhiyaate namni sun fuula koo dura haa balleefamu xura’aumaan isaas mata isaati haa deebi’uu ⁴ gosaa Haroon keessaa namni dhagnii isaa lamxa’amee yookiin dhagna isaa keessaa waa dhangala’uu amma qulqulla’utii wanta qulqulla’aa sana irraa hin nyaatiin. Namni reefatti yookiis nama hafeetan isaa dhangala’eetti bo’udhaan wanta xura’aa tuqee ⁵ Namni wanta lafaa irra muunyuu isa ittin xuraa’uu danda’uu yookiis nama isa xura’ummaa irratti darbu tuqe xura’aummaa isa kam iyyuu yoo ta’ee namni wanta akkasi tokko tuqee amma galgalaatti tuxa’aa haa ta’uu dhagna isaa bishaaniin amma dhiqatutti wanta qulqulla’aa sana irraa hin nyaatiin ⁷ yeroo biiftuun lixuu inni haa qulqulla’u isa boodee immo nyaata bira waan hin qabneef wamnta qulqul’aa sana haa nyaatu ⁸ Ani Waaqayyoodha horii ofiin du’ee yookiis horii bineensii qabee ajeessee xura’aa waan ta’eef inni isaan kana hin nyaatiin.

22:1 “Waaqayyoo” kunni jechaa afaan Ibratti *Elohim*. Kun Waaqayyoo irraa kan baratamaan maqaa isa tokkoooffaadha, innis seera uumamaa kuta jalqabaatti kan argaman. Hundee jechichaatiif sirriitti hin beeknu haa ta’uu malee seera uumamaa 31:29 kan jiru galumsa jechoollee, inni kan wajjiin adeemu “jabaa ta’ii” kan jedhu gaalee wajjiin. Kan jarraa 18^{ffaa} tiif 19^{ffaa} warri qeeqan, Eelohiimii fi Yaahiwwee kan jedhu jechoolleen barreefamni adda addaa kan seera uumamaa boqonnaawwaan argaman ni fayadamuu, burqoonni adda addaa kan ta’an galmeen kan degeraman waan waldha’aa qindeessuuf. Ta’us, barsisoonni kan jedhan maqoowwaan kanaan gidduu kan jiru garagarumaan argamee isaan kan bakka bu’an amala Waaqayyootii. Eelohiim kan bakka bu’uu hunma Waaqayyootiif akka uumaati yaada jiruu yeroo ta’uu Yaahiwween immoo kan bakka bu’uu kakuu haraara Waaqayyooti. Ani akkan yaadutti barsisooni ibsa wayyuu kan filuu nati fakkaata.

▣ “Abirahaamiin qoree”

Mata duree adda : Waaqayyoo saba mata isaati qora

“Qormaata” jechii jedhu (BDB 650, KB 702, Peehiil kan xumuramee) fayyaadama irraa kan oole “yaaluu” miira jedhuun. Innis fayyadama irra kan oolu isa tokkoo gara bakka murta’eetti fiduudhaan mata isaaniitiin teessuma duraa booda isaani gochiicha raawwachuu jechudha. Ifatti akkuma mu’atuu seera uumama 12-22 Waaqayyoo Abirahaamiin itti fufeenyaan gara haala ta’anitti galcheera (barsisooni kudhanidha jedhuu). Jalaallaa fi amantii isaa Waaqayyoo keessaatti fi Waaqayyoo irratti duwwaa akka xiyyaafatuu gochuuf. Isaan qormaatni un Waaqayyooof jechaa kan baay’ataan miti, haa ta’uu male Abirahaamiif jechaaf, waa’ee Waaqayyootiif hurbanno inni qabuu innis byyaa Kalidoota Uurii kan waame Abirahaam maatii isaa, mana isaa, hirihoota isaa, dhaala isaa, aada isaatiifi kan fuula isa duraa (muaa abdi isaa) akka dhiisuu gaaffatameera Waaqayyoon amantidhaan akka duuka bu’uu. Waaqayyoo ijoollee isaa hundummaa jalqabaa nannoo kenneefitti isaan qora (Mat. 4:1, Ibiroota 5:8, 12:5-13).

Waaqayyoo hin qoraa (BDB 650) beekuudhaaf (BDB 393). Isira’eeloni deddeebi’anni Waaqayyoon qoraniruu abomaamuu diduu saaniitiif akkasumaas inni jessa isaa amanama ta’uu isaa mirkaneesseera amma immo Waaqayyoo Isira’eeliifi carraa saba isaaf kenneera, jechaan dubbaatamuu kan danda’amu amanamuma fi amantii akka argisisaaniif.

1. Waaqayyoo saba mata isaa walumaatti qabaatti hin qora
 - a. Bau15:25, 16:4, 20:20
 - b. Seera Kes8:2, 16, 13:3
 - c. Abbota firdii 2:22, 3:1, 4
2. Dhhunfaa Waaqayyoo Isira’eeloota qora.
 - a. Abirahaam, Seera uumamaa 12:1-12
 - b. Isqiyaas Macaafaseena isaa 2a 32:31
3. Barreesitootni Farfaanna Waaqayyoo akka isaan qoruu iyyaaniiru, tookkoollee gufuun dhokkaatee akka Ba’uu ff (Zakariyaas 26:2, 139:23)
4. Kan kakuu haara namooti Waaqayyoo wal-qixaa qorqmiiru, kan akka Yesuus (Mat. 4, Luqaas 4, Ibiroota 5:8)

▣ **“Akkasumas jedhe”**boqqonnaan kun walitti fufiinsa deddeebiiti. “Jedhe/jedheera”yeroo ammitiif kara adda addaatiin akka jedhan, akka hiikame (BDB 55, KB 65) hubadhu.

- | | |
|-------------------|-----------------------|
| 1. Lakk. 1, lamaa | 7. Lakk. 9, tokkoo |
| 2. Lakk. 3, lamaa | 8. Lakk. 11, lamaa |
| 3. Lakk 3, tokkoo | 9. Lakk. 12, tokkoo, |
| 4. Lakk 5, tokkoo | 10. Lakk. 14 tokkoo, |
| 5. Lakk 7, afur | 11. Lakk. 16, tokkoo, |
| 6. Lakk 8, tokkoo | 12. Lakk. 20 tokkoo, |

▣ **“Abirahaam”**Waaqayyoo maqaa isaa Abirahaam irra jijjireera hiiki isaas “abba ulfaata”Abirahaami immoo, “abba saba baay’ee jechudha”Waaqayyoo Abirahaamiin waan tokkoo gaaffaachuudhaaf maqaa isaa haaran kan qoruu s Septuagint Waaqayyoo Abirahamiin al-lamaa akka waamee ni ibsa, haa ta’u male barreefama Ibiroota “Abirahaam”baaqqee taasisa lakkoofsa 1 keessatti, garu lakk. 11 irrattiidha dachaa akka waame agarsiisa.

▣ **“Asiin jira”**kun jecha dhokkaata Ibirootaati, waa’ee argamu (lak 11 ilaali; Bau3:4, 1Samu’eel 3:4, Isayaas 6:8).

22:2 Isi’aaqiin kan ilaalatee ajaja tarreeffama kan kennaman hubadhu

1. “Ammas mucaa kee fudhadhuu”BDB 542, KB 534, *Qal IMPERATIVE*
2. “Gara biyyaa Moriyaa deemi”BDB 229, KB 246, *Qal IMPERATIVE* (yoo hubatani waan nama hawatuu kan inni ta’u jechammii kun boca kanaan kan argamuu bakka kan duwwaadhaaf Seeraa uumamaa 12:1 irratti, innis isan qormaata lamaan isaan kan wal qabsisuu, akka abdi fi raawwiitti (akkasumas 18 fi 12:3 ilaali).
3. “Achittii haarsa dhiyeese”BDB 748, KB 828, *Hiphil IMPERATIVE*

▣ **“Mucaa kee jalaau tokkicha mucaa kee Isi’aaqiin dhiyeessi”**kun kan fakkaatuu Isi’aaqiin kan ilaalate akka irraati kan xiyaafaatu himaa wal faana ti, mucaa adda kakuu. Akkasumas inni “qophaisaa” (BDB 402) mucaa ta’uu isaa ilaali (Zakariyaas 2, 12, 16). Isima’eel mucaa kakuu hin ture akkasumas hin ari’ame abdiin Abirahaam hundumtuu, sanyii isaa kan ilaalatu muca kana irratti ture, Yahiwwen immoo haarsa akka ta’u ajaje.

▣ **“Gara biyyaa Moriyaa”**jechii kunni (BDB 599) karaa baay’eedhaan in hiikama.

1. Vulgate fi Samaritan Pentateuch “mul’ata”qabu.
2. Targums kan hiikaan “waaqessuu”kan jedhuun
3. Septuagint “ol-ka’aa”qaba
4. Peshitta “kan Amonawoota”qaba
5. Beektooti tokko tokkoo isa kan hiikaan “mul’achuu Yaahiwwen”kan jedhudha.
6. Kan biroonis “kan filatamee”
7. Kan biran immoo “iddoo itti argamutti”

Akka fakkatutti “bakka mul’achuu”kan jedhu hiika foyya’eedha, jecha kana kan biraa fayyadama irratti hunda’uudhaan 2^a seena 3:1 innis mana qulqulluuma isaa kan hojeete gaara Moriyaa irratti ta’uu isa ibsuudhaan Waaqayyoo Daawitiin bakka itti mul’atee argisisuun. Kunni ibsamuu kan danda’uu isaa 2a Samu’eel 24:16 yookaan bifa foyya’ee isaa duraa seena bara 21:18-20. Abirahaamii Isi’aaqiin haarsa gochuf akka galumsa barreeffamaa kan ta’u tokkooyyuu akka hin ammatamne godhameera, akka ta’utti beekamuu isa irraa kan ka’e, yookaan barreessaan seena isa duraa in beekamne ta’a. Akkasumas Moriyaan Melkestediqq irraa magaalaa Saaleem wajjiin wal-qabachuu danda’a (17:18) tures Jeebuus kan jedhame innis Yerusaleem kan ta’e.

▣ **“Haarsa gubatu”**jechii kunni jecha Ibiroota”horii gubaatu”hiiki isaas “raawwatee haarsa gubatu” (BDB 750). Haala seera waaqeeffaanaatiin morma kutuu duwwaan in ga’uu, haa ta’uu malee haala seera waaqeffannaa nyaachuunis in barbaachisa. Akkam ajaja sodachisaadha Waaqumma irraa kan dhufe innis muca abdi akka ta’u kan godhe fi Isma’eel akka ari’amuu kan gochiisisee Abirahaam Waaqayyoon dirqamatti amanuu qaba wantichii utuu hin galiiniif, akka lakk. 21 irra jirutti mudanna Yohaniis 13 wajjiin akka ibsamu.

22:3 **“Abirahaam oboroodhaan ka’e”**kara Abirahaam wantii tokkoollee kan galma’ee gara boodaatti jechuuf gaaffii kaasu akka hin jiree hubadhau, haa ta’uu malee akkam kan turee dukkana sodachisaa. Kunni kan degeerramee ta’uu isaa yookaan amantiin Abirahaam mallattoo guddina ta’uu isaa qabatamatti hin qabu. Abirahaamii muda kan hin qabne akka hin taane ifadha, haa ta’uu malee Waaqayyoo irratti kan qabu guddina amanti isaa ibsa kana irratti mu’ata. Kunni isa dhumma qormaata amantaa isaa ture.

22:4 “AGuyyaa sadaffaatti”Beersaabee hangaa gaara Moriyaa kan jiru fageenyii tilmaaman kan guyyaa lamaaf wallaka deemsa miila ta’a, haa ta’u malee qayyabanaan harree fi ta’ees kan biraan yoo itti dabalamee yeroo dheera fudhata.

22:5 Tajaajiloota isaatiif kan inni kenneef ajajii fi ibsa yaada keessa isaatti hubadhu.

1. “As tura”BDB 442, KB 444, *Qal* IMPERATIVE
2. “Anii fi mucaan koo gar asana in deemna”BDB 229, KB 246, *Qal* COHORTATIVE
3. “In saganna”BDB 1005, KB 295, *Hishtaphel* COHORTATIVE
4. “Gara keessanitiis in deebina”BDB 996, KB 1427, *Qal* COHORTATIVE

■ **“Saganne gara keesaanitti in deebina”**Abirahaam Waaqayyoo irrata amantii qabuu Ibiroota 11:17-19 in argisiisa, kunnis Isi’aaq du’a akka ka’e Abirahaami wajjiin gara manatti akka deebi’e in argisiisa. Kunnis duraan dursee Waaqayyoo Abrahaamiif abdi kennee 21:12 jechuu, Abirahaam kara Isi’aaq sanyii akka qabatudha. Amamillee Abirahaam akkamitiif maaliif kan jedhu yoo galuufii dhabaate, innis dhugummaati Waaqa isa hunda danda’u beekera hubateeras.

22:6 “Abirahaam mukaa haarsa fuudhee mucaa isaa Isi’aaqiin bachisee”walitti dhuufeenya baa’ee qaba, Isi’aaqi irrattikan ta’ee fi booda irraatti Yesuus irratti kan ta’e. Ani dhuunfaa kooti kan jeequ fakkeenya kamiif murtii, innis Kakuu Haaratti adda ba’e kan ibsameedha, sababii isaa ibsitootni karaa isaaniin baay’een kan bade waan jiruuf, bara walda kiriistaana hundumaati. Isi’aaqi fi Yesuusiin gidduu jechii dhokataan dubbatamuu jirachuun isa ifaadha. Waaqayyoo Isi’aaqiin akka godhuu Abirahaamiis kan inni hin iyamneef inni mataan isaa isaa ilmaa isaa irrattii raawwate. Jalaalli Waaqayyoo guddummaa kan hubannee natty fakkaate, jalaalla Abirahaamii fi amantii yeroo hubannuutti.

■ **“Abidaa fi billaa”**abidi kun kan inni argisiisuu halkaan darbee barbadaa damaara yookaan korojjootti kan qabatamu ichimii daakamee qabsifaamuun isaa ifa miti. Jechii billaa jedhuu “billaa ittiin qalan”yeroo ta’uu (BDB 38), billaa guddaadha, innis gocha bilcheessuutti kan ta’udha (Abboota firdii 19:29, Fakkeenya 30:14).

22:7 “Haarsaan gubtuu hoolichii eessa jiraa?”gaafiin Isi’aaqi laphee Abirahaam cabsun isaa in oole kunnis Abirahaam Waaqayyoodhaaf amantiin inni qabu bifa bareeduun kan ibseeff lakk. 8. Isi’aaq haarsa karaa inni beeksisee kan argisiisuu seeri haarsicha seera Musee akka dursudha. Kunnis argamuu kan danda’uu (1) Qa’eeniiis Abeelii (Seera uumamaa 4); (2) Nohiin (Seera uumama 8:20); fi (3) Iyoobiin (Iyoob 1:5).

22:8 “Abirahaami jedhe, hoola haarsicha Waaqayyoo in qopheessa”“Waaqayyoo in qopheessa”gaalleen jedhu booda irratti maqaa Waaqayyoo ta’era, lakk. 14 irratti (“Yaahiwwee”BDB 217 fi “ilaali”BDB 906). Amala isaa gochaa isa ibsuudhaaf gocha Waaqayyootiif maqaa haara baasuu isa kan barratame ta’uun isa ilaalera. “Innii in qopheessa”kan jedhuu jechii Ibiroota sirrimaatti “in ilaalta”jechudha (BDB 906, KB 1157, *Qal* IMPERFECT) haa ta’uu malee inni fayyadama irraa kan oole kana irraa bifa adda ta’en (ilaalu kan danda’uu kennuu kan danda’udha).

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa: 22:9-14

⁹Isaanis gara iddoo isa Waaqayyoo itti himnee ture sanaa yommuu ga’an, Abrahaam achitti iddoo itti arsa dhi’eessu ijaree, qoraanis tooraan irranaqe, yisihaqin ilma isaa hidhee idoo aarsaa irra qoraanichagbbaa in ciibse. ¹⁰ Abrahaam kan boddee ilma isaa qaluudhaaf hiixatee haaduu in fudhate. ¹¹ Bataala santti garuu ergamaan Waaqayyoo batii waaqaaa kessaa gudisse “Abrahaam Abrahaam”jedhu innis “kunoo asan jira!”jedhe. ¹² “ergamichis muciiicha irratt harka kee ol hinfudhatin waan tokkos isa hingodhin atii ilma kee tokkicha isaaf waan hin mararsiifatiiniif, ati Waaqayyoon akka soodattu anii amma beekera”jedhe. ¹³ Abrahaamis ol ilaale kunoo, dugda isaa dubaan korbbeesa hoolaa gaanfa isaatiin arangamaa keessatti qabamee tokkoarge; achumaansatti qabame tokko arge; achumaan dhaqee korbeessicha fuudhee, qoodailma isaatii qalma gubamu isa in dhi’eese. ¹⁴ Abrahaamis maqa iddoo sanaa, “Yaahwee yir’ee”jedhee mogsanaa; [akkas jechuun, “Waaqayyoo ni arga”jechuu dha]; namoonni amma iyyuu, waa’ee isaa yeroo dubbatan, “inni tulluu isa Waaqayyoo irratti waa argamsiisuu dha”jedhu.

22:9 “Abirahaam iddoo sanatti iddoo haarsa ijaare mukas irra tuule muca isaa Isi’aaqiinis hidhe iddoo haarsicha irratti mukicha irratti ciibse”asitti kan ilaalu wanti tokko amantii guddaa Abirahaam qofa miti, haa ta’u malee Kan Isi’aaqi amanti guddaadha. Isi’aaqi walummaa galaatti mukicha baate gaaricha Ba’uu dhaaf kan ga’eedha, akksumas abbaa isaatiif hidhamuu diduudhaan mormmuu kan danda’udha. An akkan hubadhutti muddanaan kun yeroo kan fudhatee mare amanta booda irratti Abirahaamiif Isi’aaqi gidduutti akka kaasuudha.

“Hidhamuu”goochimni jedhuu (BDB 785, KB 873, *Qal* IMPERFECT) Kakuu Moofatti iddoo kana qofatti kan inni argamu. Hundee wa-fakkaata kan ta’e (BDB 785) hiiki isaa walitti qabani hidhuu yookaan miciruudha. Kanaafiyyuu, inni kan yaadamuu haarsa horii miila micirudha, walitti qabani hidhu.

22:10 “Abirahaam harkaa isaa diriirsee”kun walummaa galatti kan inni agarsisuu seera waaqeffaanna kan ta’e horii kan haarsicha gocha morma kutuuti.

22:11 “Haa ta’uu malee Ergama Waaqayyoo”lakk. 11 fi 12 waliitti qabe yeroo dubbifnu kun “Ergama Waaqayyoo”kan jedhu kan Waaqayyoo kan mata isaa galumsaa namaanidha (Seera uumamaa 16:7-13; 18:1; 19:1; 21:17, 19; 22:11-15; 31:11, 13; 32:24, 30; 48:15-16; Ba’uu 3:2, 4; 13:21; 14:19; Abbotaa firdii 6:12, 14; fi Zakariyaas 3:1, 2). Garuu, lakk. 12 irratti Ergamichii “Waaqayyoon”akkamitti akka argisisuu hubadhu. Rakkisa kan ta’uu ifa kan ta’e waaqa tokkichummaa (monotheism) Seera uumamaa irratti kan caqasamani jeebeessuu dadhabuu isaati, (jechuun, hafuura seera uumamaa 1:2; “in”seera uumamaa 1:26; 3:22; 11:7; “Ergamaa Waaqayyoo”akkasumas “Gooftaan Gooftaa kootiin”jedhe Faarfanna 110 irra kan jiru hubadhu. Waaqa sadaan tokkoo kan jedhu mata duree adda 20:13 irratti ilaali.

22:12 Ajajaa al-ta’aa lamaa qaba

1. “Mucicha irratti harkaa keenya harkakee hin kaasiin, “BDB 1018, KB 1511, *Qal* IMPERFECT garuu dhiibadhaan galumsa fayyadama irra kan oole
2. “Isa irratti waan tokkoollee hin godhin”BDB 793, KB 889, *Qal* JUSSIVE

Kan iti fufaani jiran kan xumuraman kan argisiisan Yaahiwwee Abirahaamiin amantii dhugaa guutumma gutuuti itti quufuu isati.

1. “Amma beeke”BDB 393, KB 390, kan xumuraman
2. “Mucaa kee ana hin dhowanee waan ta’eef”BDB 362, KB 359, *Qal* PERFECT

Gaalleewwaan irra deddebi’oon Isi’aqiin kan argisisan lakk. 2 irratti kan argaman lakk. 12 irratti irra deebi’ameera (Zakariyaas 16).

“Ammaa beekii”jecha jedhu duwwaaf. Kunni kan Yaahiwwee durse beekuun isa gaaffii kan kaasudhaa? Yookaan amantii Abirahaam mirkanessee argisisuuf tooftaa barreeffatii? Anni akkan hubadhutti yaada lamaaffaadha. Ani opin sisiiniin naaf hin ta’u.



NASB, NKJV,

NRSV, NJB

TEV

Peshitta

REB

“Sodaa”

“kabajuu”

“KABAJUU”

“nama Waaqayyoon sodaatu”

Jechii kun (BDB 431) seera Kakuu Moofaakeessatti yeroo baay’ee in uumama. Hiiki isaas “sodaa”dha (Seera uumama 3:10, 18:15; 20:8; 28:17; 32:7; 42:35; 43:18), Yaada barreeffam, a tokko tokkootiin garuu inni kan gedaaramu gara “sodaachuu”“kabajuu”yookaan “hulfina”dha, namooti Waaqummaadhaaf kan isaan qaban yaada isaani mu’isuudha. Barreefamoota itti fufaani jiran ilaali. Seera uumamaa 42:18; Ba’uu 1:17; 9:30; 18:21; Lewwoota 19:14; 32:25; 17, 36, 43; seera keessa deebi 6:2, 24 10:12, 20; 17:23; 17:19; 25:18; 28:58; 31:12-13; Faarfanna 33:8. “Sodaachuu”kan argamee waaqeffannaa fi abomamuu irraati. Innis tooftaa jireenya walitti dhuufenyadha malee haaloota adda baasu miti, bakkeewwaan, seerotaa, yookaan seerata qopheessuu miti. Ajajamuun kan inni maduu kabajaaf jalaala irraati malee soda fi ijaa Ba’uu irraa miti. Abomaamuu diduun dursa jalaala mormuudha, akkasumas seera tokko Waaqayyoo wajjin kan qabu walitti dhuufeenya dursa jireenya isaatiif ta’era “Abirahaam Waaqayyoon amane”kan jedhu, (seera uumamaa 15:6) bara jireenya ofii waan godhamuudha.

22:13

NASB, RSV

NKJV

NRSV, TEV

“booda isaa hoola tokko”

“duuba isaa hoola tokko”

“hoola”

Tuqaan kun kan ilaalate Ibirootan barreeffama Biraana irratti garagaruma qaba. Mastii “duuba isaatiin”kan jedhu dabalgoochima (ADVERB) qaba. (rta BDB 29), haa ta’uu malee barreeffamooti biranna tokko tokkoo fi Samaritaan Pentatihoota, fi Peeshita “tokko”qaba (BDB dta 25) “tokkoo”hoola jedhamee kan hiikame.

■ **“Bakka ilma isaa”**Waaqayyoo Abirahaamiini hoola akka haarsa dhiyeesuuf hin agaaffanne, Abirahaam garuu fedhaa isaatiif galata dhiyeesuuf Waaqayyoodhaaf haarsa dhiyeesse, guyyaa tokkoo mani qulqullummaa Solomoon bakka inni ta’utti gaara sana irratti. Kun tarii muraasi kan godhamee bifa haarsati, booda irratti guddaacha deeme, inniis seera Musee qofaan utuu hin taane garuu immo ol siqee haarsa Kiristoosii ISayaas 53 fi Yohannis 1:29 macaafa Ibiroota; Pheexiroos isa duraa 1:18-19; Mul’ata 5:11-14).

22:14 “Amma guyyaa haraatti”kun tarii kan booda sirreefma barreeffama mallattoo ta’a. Inni kan Musee yookaan barreessa Lubuumma Musee ta’uu danda’a> Anni dhuunfa kooti kanaan yaaduu baayinaan seera uumamaa, amma bara Yooseefitti, jechaa kan abboota aadaa barreeffama kan dhuufedha.

■ **“Abirahaamiis bakka sanaa Yaahiwwee Yiriye jedhe waame”**kun akna hunda’ee kan fakkatuu gochaa Waaqayyootiif, Abirahaami Isi’aaqiifi deebi inni kennee lakk. 8 irraattidha.

■ **“Gaara Waaqayyoo irratti argame”**kun kan fakkaatu dubbii fakkeenya, innis gaalicha “Waaqayyoo maqaa isaatiif iddoo bultii bakka murteese) gaaleen jedhu bakka agarsiisa (keessa deebi 12:5, 11:21; 14:23, 24;16:2, 6, 11, itti fufa. Inni guddaan kun kan argisisuu mana qulqullumaati, haa ta’uu malee gaara Moriyaa mana Qulqullumma kan argisisuu ta’eera).

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa: 22:15-19

¹⁵ Ergamaan Waaqayyoo banti Waaqaa kessaa si’a lammaffaa guddisee Abrahaamin waamee ¹⁶ Waaqayyoo ati kana waan gooteef ilmaka isa angafa anaaf waan hin mararsiifatiiniif ani maqaa kootin kakadheera ¹⁷ ani ebba kotin sin ebbisa sanyii keesi akka urjii waaqaa akka cirracha qarqara galaanaas guddisee nan baa’isa; sanyiin kees karra kellaa diinota isaa qabatee, mandaroota isaanii kan isaa in godhata. ¹⁸ Ati waan anaaf abboomamteef, sabni biya lafa irra hundinuu sanyii ketiin in eebbifama jedhee dubbateera jedhe ¹⁹ ErgasiAbrahaam gara dargaggoota isaattiin deebi’ee, isaanii wajjin ka’ee gara mandara Bersheebaa dhaqee mandaricha keessas in jiraate.

22:16 “Bifaa kooti”kun seera uumamaati macaafa seera uumama Waaqayyoo mata isaati kan kakatee qofa isaa bakka jiruudha, kakuu isa wajjin walitti dhuufenya jiru. Kun isa guddaa tuqaa baruumsa Waaqayyuumma ta’a, Ibiroota 6:13-18. Innis jalaala Waaqayyoo irratti kan hunda’ee haala kan hin taane abdi ta’uu isa hubadhu, garuu inni kan Abirahaam gocha amanti guddaa deebi kan qabudha (jechuun, “sagallee kootiif aboomamteeta waan ta’eef”). Haali Macaafa Qulqulluu kan hin taane/kakuu ta’e/ amala kan wal-qabsiisu haaloota Waaqayyoo irra kan hin taaane jalaala malee deebi dhugaa namoota wajjin miti.

22:17 “Dhugumaatti guddaan sii eebbisa”cimsa kan argisisuu seer-lugaa qinda’ummaa lamaa lakk. Kana irra jiru.

1. *Piel* INFINITIVE ABSOLUTE fi *Piel* IMPERFECT VERB jechamma, hundee wal-fakkaata, “eebbifamuu” (BDB 138, KB 159), kanaafiyyuu “anis baayee godheen siieebbisa”kan jedhutti hiikameera.
2. *Hiphil* INFINITIVE ABSOLUTE fi *Hiphil* IMPERFECT VERB jechama, hundee wal-fakkaata, “baayisuu”yookaan “baay’ee gochuu” (BDB 915, KB 1176), kanaafuu, “sanyii kee baay’een baayisa” kan jedhuun hiikameera.

Kunnis gara Abirahaamitti abdi isaa jalqaba deebi’ee kan argisisuu fakkaata, boqonnaa 12 irra kan jiru (innis ka’umsa seera uumamaa akka ta’ee), Kan sanyiitii fi kan lafaa abdi. Kakuu haara cimsa kan laatu abdi sanyiif yeroo ta’uu abdi lafaaf garuu cimsa hin laatu.

■ **“Sanyii kees akka urjii Waaqa irraa fi ciracha galaana baay’een baayisa”**isaan baay’ee jecha dhokkata gidduu lamaan isaanitti, sanyiin Abirahaami amala baay’aachuu ibsuudhaaf (biyyee, seera uumamaa 13:16;28:14; seera lakk. 23:10; urjii, seera uumama 15:5; 26:4 fi ciracha, seera uumama 32:12).

■ **“Sanyiin kee balbala diina kee ni dhaala”**balballi fakkeenya isaa kan durii moora magaloota eegudha. Balballii tokkoo nageenya isaa eeguuf jechudha magaalatti qabachuu jechdha waan ta’eef, jechii dhokkata sanyii Abirahaam kan argatan mo’ichaa waraanati, isaan irratti kan ka’uu hunduma. Kuni jecha dhokkata wal-fakkaatu kakuu haara Mat. 16 fayyadama irra oolera, “balbali gahanabi walda kiriistaana hin danda’u”.

Rajoota irra akka hubanutti isaan abdiwwaan kunnillee abomamuu Isira'eelota irratti haalota, aboomamu Abirahaam irratti akka ta'an hunduma (Zakariyaas 15:6, 22:16, 18). Abdiwwaan Yaahiwwee itti fufeenya abomamuu diduu Isira'eelotaa fi sababa waaqeffanna waaqa tolfamaatiif cabeera. Nuyi dirqamatti yaadachuu kan qabnu dursa xiyyaaffannoo Macaafa Qulqulluu kan ta'u amala Waaqayyootiif amanamumma isaati. Ta'us immo dirqamatti jedhamuu kan qabu, yaada isaa, saba mataa isaati amala mataa isaati akka callaqisisaaniif, biyyaa lafaa in amaneef, (jechuun hormoota) yoo ta'ees isaan immoo deebi akka akkasumas kennaaniif.

22:18 “Hormooti biyyaa lafaa hundumtuu sanyii keetiin in eebbifama”dhimma seer-lugaa barumsa Waaqayyuma kan ta'u, *Niphal* and *Hithpael* PERFECTS (kan xumuramee) kan ta'e “eebbifamu” jechama jedhuun akkamitti akka hiikamudha. (BDB 138, KB 159) innis wal-cina ta'u kan danda'udha.

1. Seera uumamaa 12:3, *Niphal* PERFECT
2. Seera uumamaa 18:18 *Niphal* PERFECT
3. Seera uumamaa 22:18 *Hithpael* PERFECT
4. Seera uumamaa 26:4 *Hithpael* PERFECT
5. Seera uumamaa 28:14 *Niphal* PERFECT

Niphal hundeen yeroo hundumaa hoji irra ooleti (PASSIVE) jechami kun kan argamu barreeffama seera uumamaa qofa irratti, akka hojii irra ooletti kan hiikamu) haa ta'u male akka hubachisuuti yookaan galagtoos hjeechu danda'a. Hundee *Hithpael* hubachisuu yookaan galaltoo (REFLEXIVE yookiin RECIPROCAL) Keessa deebi 29:19; Faarfannaa 77:17; Isa 65:16 (yeroo lama), Irmiyaas 4:2).

Kakuu haaran kan inni xuquu isa murteessa kana abdi hojii irra ooledha. Hoji Ergamoota 3:25 fi Galatiyaa 3:8 ilaali. Gaaffiichi kan wal-qabsisuu ergamtoota Isira'eeloota dirqama isaani wajjiin yeroo ta'u, hormootaa fi “kan mootataa Luboota” akka ta'anidha. (Ba'uu 19:5-6). Ammamillee kun ammarajoota jaarraa sadeetitti bifa wallin nama hin rukkuneen yoo ta'uu baatees, inni kan yaaduuf kan inni tuquu isaan kana barreeffamoota seera uumamati.

Bifa tokkoon Isira'eeloonni waa'ee Waaqayyoo raga akka kennanidha kan barbaachiseef (abomamudhaan tooftaa jireenyaatiin, seera Museef xiyyaaffannoo kennuudhaan). Ga'umsii gammucha hormooni amanuudhaaf kan inni qabu Yaahiwweef deebi akka kennaaniif akka amanaman gochuudhaan (Abirahaam akkuma godhe, Seera uumamaa 15:6, Roome 4:3, Galatiyaa 3:6, Yaa'iiqoob 2:23). Yaahiwweedhaaf kara Isira'eeloota ibsi laatame dirqamaati beekanti laachuu fi aboomamatu isaani irraa jiraata. Isira'eel hin aboomamu yoo ta'e kan irraa hafeef uummataa tasgaba'ee bakka bu'uu hormoonni hundumtuu kan ilaalan kan Yaahiwwee bifa firdii qofaan. Isira'eeloonni dirqama ergamumaa isaanii hin baane kanaaf gara waldaa kiristaanati naanna'eera (jechuun, “ergami guddaan” Mat. 28:19-20, 24:47, hojii Ergamoota 1:8)!

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa: 22:20-24

²⁰Kana boodees dhaamsii Abirahaamiif in dhufee innis “kunoo Milkaaniis immo Naahoor obboolleessa keef ilmaan godhatte ²¹ Warri isheen deseese inni angafni obboleessiisa Buus, Aramiin dhalchee immoo Qamu'eel ²² Keeseed, Haazoo, Fildaash, Yiidila fi Batu'eel jedhamuu” kan jedhu ture ²³ Batu'eel Ribqaa dhalche Milkaan isaan kana sadeettaan Naahoor obboolleessa Abirahaamiis godhate ²⁴ Naahoor Sajaattoo “Rihuuma” jedhamtu tookkos qaba ture ishaeeniis ijoolle “Xeeba, Gahaam, Ta'aash, Mahakaa” jedhaman deesef.

22:20-24 Hiddii sanyii maati kanaa kan hin baratamnee fakkaata haa ta'uu malee qabatamaati baayee fayyada, kan fuulduratti misiroon Isi'aaq, Ribqaa kara argamsisuun, isheeniis lakk. 23 irratti kan xuqamee,

22:23 “Baatuu'eel”hhikii maqaa kana “nama Waaqayyoo” dha (BDB 143 I).

■ **“Ribqaa”** maqaan kun hundee jecha Ibiroota ta'uu kan qabuu hiika (BDB 918) “horii hidhuu” akkasumas kan wal-qabatuu “bakka hidha” dha; yookaan dubartiidhaaf fayyadama irra kan oole “kiyyeessa” ta'a. Barsisoonni kana kan ilaalan bifii Ribqaa kan nama booji'uu ta'uu isaa, isheeniis Isi'aaqiin laphee “hiteeti” kan jedhudha.

22:24 “Rahimaa” jechii kunni (BDB 910) hiika yaaddamuu lama qaba (1) “ka'uu” innis ta'uu kan qabu sirriidha garbumma irraa gara gaarayyuutti (concubine) kaatetti waan ta'eef yookaan (2) “Luuli” yookaan “Zaabool” innis jechaa Ibiroota irraa kan walitti dhiyaatu kan wali wajjiin deemu fakkaata.

GAAFFILEE MAREE

Kun qajeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan.

1. Waaqayyoo dhugumatti ijjoolee isaa in qorayii? Yoo ta'ees maaliif?
2. "Mooriyaa" jechii jedhuu hiikii isa maalidha eessatiis argama?
3. Waaqayyoo Abirahaamiin muca abdii akka haarsa godhuu maaliif gaaffate?
4. Keeyyata kan irraatti Lakk. 20:24 ti maaliif hamatama?

SEERA UUMAMAA 23

HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

NASB	NKJV	NRSV	NET	NJB (follows MT)
Du'uu Saaraa fi Awwaalamuu 23:1-16	Du'uu Saaraa fi Awwaalamuu 23:1-16	Maatiin Abrihaam Bakka Awwaalaa bituu 23:1-16	Saaraan ni duute Abrihaam lafa bite 23:1-2 23:3-4 23:5-6 23:7-9 23:10-11 23:12-13 23:14-16	Awwaala Abbootaa 23:1-2 23:3-6 23:7-11 23:12-16
23:17-20	23:17-20	23:17-20	23:17-18 23:19-20	23:17-20

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula xxiv irraa)

SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

QO'ANNOO JECHAA FI GAALLEE

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa 23:1-16

¹Saaraan waggaa dhibbaa fi digdamii torba in jiraatte; barri jireenyashhee hammana ture. ²Saaraan Kiriyaat-Arbaa isa "Keebroon" jedhamee beekame biyya kana'an keessatti in duute;

Abraamis Saaraadhaaf gadduu fi isheedhaaf bo'ouufis ol in gale. ³Abraam reeffa biraa ka'ee, ijoollee Heetiin, ⁴Ani isin gidduutti gala dha, ormas; reeffa namakootii manabaasee akkan itti owwaalladhutti, araddaa awwaalaaf ta'u isin gidduudhaa akkan argadhutti anaaf godha"jedhe. ⁵Warri Heetis deebisanii Abrahaamiin ⁶Gooftaa, mee nudhaggeeffadhu! Ati nu gidduutti nama guddaadha nama Waaqayyootis; reeffa nama keetii iddoo awwaalaa keenya isa keessa caalutti awwaaldhu Nu keessa namni tokko iyyuu lafa awwaala isaa si harkatti kan qabu, reeffa namakeetiis akka hin awwaallanneef kan sidhowwatu hin jiru" jedhan. ⁷Abrahaam lafaa ka'ee, namoota biyya sanaa warra Heetotaaf in qoomma'e. . ⁸Inni immoo, "Ani reeffa namakooti manaa baasee akkan awwaalladhuuf fedha keessan erga ta'ee, ana dhaggeeffadhaati Efron ilma Zohaaritti anaaf dubbadhaa ⁹Inni lafa isaa irraa holqa Makfelaa isaa gara dhuma maasii isaatii jiru anaaf haakennu; inni gatii guutuudhaan dhuunfaa godhee lafa awwaatiif isin gidduudhaa akka anaaf kennu godhaa! "isaaniin jedhe. . ¹⁰Namichi "Efron jedhamus ijoollee Heet sana gidduu taa'ee ture; Efron namni biyya Heet kunis Heetonni, warri balbala keellaa sanaa keessatti walitti qabamaan hundinuus utuu dhaga'anii, Abrahaamiif deebisee "¹¹Hin ta'u gooftaa ko, nadheeggeeffadhu! Ani laficha siif nankenna, holqicha isa laficha isa laficha sana keessa jirus siif nan kenna; atis reeffa namakeetii itti awwaalladhu!"jedhe. ¹²Yommuus Abrahaam namoota biyya sanaa gad jedhee qoomma'ee ¹³inni utuma namoonni biyya sanaa dhaga'anii Efroniin "Utuu fedha kee ta'ee na dhageessee, ani lafichaafi gatii nan kenna; ani reeffa nama koo akkan achitti awwaalladhutti, ati isa na harkaa fudhadhu!" jedhe. ¹⁴Efron immoo Abrahaamiif deebisee, ¹⁵Gooftaa ko, na dhaggeeffadhu! Lafti cituun meetii dhagaa dhibba afuriif baafu si'ii fi ana gidduutti maal ishee ti? Reeffa nama keetii itti awwaalladhu" jedhe ¹⁶Abrahaam dubbii Efron fudhatee, meetii isa inni utuu ijoollee Heet dhaga'anii dubbate sana miijana warra bitee gurguru isa fudhatamaatti, dhagaa dhibba afur ture

23:1 Barsiisonni kan isaan jedhan, Abrahaam manatti deebi'ee waan godhe Saaraatti yemmuu himu, akkuma sanaan si'a torba sagalee guddaan iyyitee duute. Waa'een du'a isheetis boqonnaa 23 irratti barreeffamee jira. kun dhugaas hata'u sobas nuti kan ilaallu 'Raabiyyooti hiika isaa eessaa argatan?' isa jedhuudha.

23:2 "Qiriyaat-Arbaaq" maqaan kun (BDB 900) kan bu'ureeffameedha.

1. "Qiriyaat" jechuun Magaalaa jechuudha
2. "Arbaa"
 - a. yeroo baay'ee hikni isaa 'Magaalaa arfan" jechuudha. (jechuunis Eenaqiifi ijoolleesaa sadan yookiin Mandaroota arfan walumaan)
 - b. Hikni wal-fakkaatu kanbiroon riphuu (BDB 70)
 - c. Maqaa namaa ijoollee Eenaq keessaa tokko Iya. 14:15; 15:13; 21:11

■ "Abraamis Saaraadhaaf gadduu fi isheedhaaf bo'ouufis ol in gale"; Gaddi kuniifi namaata biyya sanaa waliin waliigalteen isaa yoom akka raawwate kun kan nama ajaa'ibsiisuu dha. reeffi Saaraa yeroo kana keessatti fooliin isaa geeddaramuu danda'a (Roonaldi Divi'uksi fuula 56-61 Aadaa Israa'elotaa keessatti boqonnaa "du'aafi sirna awwaalchaa jedhu ilaali)har'as Israa'eloota keessatti reeffi hin taa'u; sa'a digdamii afur gidduutti dirqamatti owwaalamuu qaba.

23:3-13 Boqonnaa hafe irratti kan barreeffame gaaffiifi deebii qofa. (Aadaa warra ba'a isa idileefi dhaabbataa) Uummata Keebiron cina jiraataniifi Abraam gidduutti sirna xiyyeeffannaa itti kennamee ibsame qalbeeffadhu.

1. "Naakenna" lak. 3, BDB 678: KB 733 bifa gaaffiin
2. "Araddaa awwalaa"lak. 3 (bakka awwaalchaa) BDB 868, KB 1064
3. "Nadhaga'a" lak. 6, BDB 1033: KB 1570 (ijoollee Heetiin Abraamiif fayidaa irra kan oole)
4. "Reeffakee awwaaladhu" lak. 6 BDB 868, KB 1064 (kun akka ta'u Abraam hin feene ture, jechuunis Saaraa lafa isaanii irratti awwaaluu
5. "Dhaga'ii" lak. 8 lakkoobsa 3 waliinwal-fakkaata, Abraam garuu isaan hasofsiisee.
6. "Dhiyaachuu (yokaan gaafachuu)lak. 8 BDB 803, KB 910 bifa gaaffiin
7. "Kennuu" lak. 9, BDB 678: KB 733
 - a. Akka dhiibbaatti
 - b. Kan hinxumramne akka dhiibbaatti kan gale (Efron lak. 11 irratti deebii kan kennu {sadanuu kan xumuraman}kana jechuun lafa isaa kennaan kenne jechuu miti qaama waliigaltee gatii isaatiiti; innis walii galtee gurgurtaati)

8. “Dhaga’i lak. 11 akkuma lak. 3 fi lak. 5 ti. (Efron Abraam waliin dubbachuun lafichaafi holqicha kenneef)
awwaali”lak. 11 akkuma lak. 4 ti
9. “Nudhaga’I” lak. 13 akkuma lak. 3, 5, 8, titi. (Abraam Efroniin jedhee)
10. “Dhaga’I”lak. 15, akkuma lak. 3, 5, 8, 10 ti (Efron Abraamiin jedhee, kunis waa’ee gatii lafichaati
11. Laficha ilaalichisee waliigalteen hundumtu hin ibsamne; akkuma walii galaatti gatiin isaa mi’a dha yeroo baay’ee hasawaan akkasii hasawaa irra deddeebi’ame fakkaata, inni garuu hawaasa kanaanotaa biratti sirna Milini’emii lammaffaa keessatti eegamuudha.

23:3 “Ijoolleen Heetii” maqaa Heeti jedhamu (tj BDB 366)Abbaa Hetayites ti (ytj BDB 366; Uum. 10:15; 1sen. 1:13 mata duree addaa 12:6 ilaali

23:4 “Ani isin gidduutti galaadha ormas” jechooti kun lamaan hiika adda addaa qabu, garuu tarii asirratti maqaa wal-makaadhaan ibsaman.

1. “Galaadha” (BDB 158) baqataa ta’ee kan jiraatu ilaala Uum. 15:13, Ba’u. 22:21; 23:9; Lew. 19:34; Kes. 10:19; 23:28
2. “Orma” alagaa yemmuu ta’u, kara deemaa mirga seeraan alaa, 22:10; 25:50 tarii wal-faana fudhatamniiru isaanis nama baka mijataa hintaane tokkotti gale ittiin ibsuuf; garuu lafa kansaa ta’e miti. (Roonaldi Divi’uksi fuula 74-76 Dhaabbilee hawaasummaa Israa’elotaa durii keessatti “nama orma ta’ee jiraatu “isa jedhu ilaali.)

23:6 “Ati nugidduutti nama guddaadha” jechi “guddaa” jedhu, jecha Elohim (BDB 43) jedhu ibsa. Kunis hiiknisaa:-

1. Waaqayyoo
2. Angafoota sabaa
3. Ergamaa
4. As keessatti guddaa jechuun; dursaa Maatii

Hiikni “guddaa” jedhamu, hiika Eel jedhamu irraati (BDB 42: 1Se. 12:22; Far. 68:15; Yon. 3:3) Hiiktonni macaafaa tokko tokko “Oogganaa Waaqaa” jedhanii hiiku barbaadaniiru.

Jechi “Oogganaa”jedhamee hiikame, (BDB 672) hiikni isaa “kan ol-jedhe” (BDB 669)

Kana kan hiikuu danda’u:-

1. “Guddaa” Uum. 17:20; 25:16; 34:2
2. “Geggeessaa”Ba’u. 16:22; Lak. 1:16, 44; 2:3; Iya. 22:32
3. “Angafa sabaa”Ba’u 22:28; 34:31; 35:27; 1Mot. 11:34
4. “Oogganaa” Iya. 13:21

Kun tooftaa adda ta’eefi badhaasa kabaja qabuudha. Warri Heeti kana mallattoo amantii isaanii hingodhatan

23:9 “Holqa makfelaa” kun oolqa fakkaata (kun bakka awwaalchaa baramedha) Aanaa Makfelaatti kan argamu Keebironnirraa gara Mamreetti yeroo deemamu kan mul’atuudha. (13:18; 14:13; 18:1)

Maatiin Abraam baay’een isaanii bakka kanatti awwaalamn.

1. Saaraa, 23:19
2. Abraam, 25:9
3. Hisiyaaq, 35:29
4. Ribqaafi Liyyaa, 49:31
5. Yaa’iqob, 50:13

23:10 “Balbala keellaa mandaraa” bakki kun tarii jiraattonni naannoo naannoo sanaa hawaasummaa, daladalaafi dhimma seeraaf bakka itti wal-ga’aa turaaniidha.

☐ “Heeti” 12:6 kan jiru ilaali

23:15 “Meetii dhagaa” mata duree addaa; Kan durii Miijana warra ba’a isa jedhu, 18:6 ilaali.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa 23:17-20

¹⁷Akkasitti lafti Efron inni Makfelaa, Mamree irraa gara ba'a biiftuutti kan hafu, maasichi holqa isa keessa jiruufi mukeetii guutummaa laafichaa irra jiran hundumaa wajjin itti dabarfame; ¹⁸kunis fuula ijoollee Heet warra balbala kellaa mandaraa sanaa keessatti walitti qabama hundumaa duratti qabeenya Abraham ta'e. ¹⁹Abrahaam kana booddee Saaraa haadha manaa idea holqa Makfelaa, Mamree irraa gara ba'a biiftuutti isa argamu, kebroon isa biyya kana'aan keessatti in awwaale. ²⁰Ikoolleen Heet laficha holqasaa keessa jiru sanaa wajjinqabeenya isaa godhanii iddoo awwaalaatiif Abrahamitti in dabarsan.

23:17 "Itti dabarfame" (BDB 877: KB 1086: kan hinxumuramne) hikni isaa ka'uu yookaan dhaabbachuu ta'a kunis kan ibsu gurgurtaan isaa xumuramuu isaati. Abrahaam amma Ifaan Filisxeemitti yokaan Kanaanitti abba dhaalaa ta'eera. Kana booda baqataafi orma miti

SEERA UUMAMAA 24

HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

NASB	NKJV	NRSV	NET	NJB (Matsiin faana bu'e)
Yisihaaqiif Misirittii	Yisihaaqiif Misirittii	Yisihaaqiif Niisii barbaaduu	Yisihaaqiif Niisii 24:1-4	Gaai'la Yisihaaqiif
24:1-9	24:1-9	24:1-9	24:5 24:6-9	24:1-9
24:10-14			24:10-14	
Ribiqaan filatamte	24:10-14	24:10-14		24:10-14
24:15-21			24:15-17	
	24:15-21	24:15-21	24:18-21	24:15-21
24:22-27			24:22-23	
	24:22-28	24:22-27	24:24-25 24:26-27	24:22-27
24:28-41			24:28-31	
		24:28-33		24:28-32
	24:29-31		24:32-33	
	24:32-41		24:33	
			24:34-41	24:33-49
24:42-44		24:34-41	24:42-49	
24:45-49	24:42-44	24:42-44		
24:50-51	24:45-49	24:45-49	24:50-53	
	24:50-51	24:50-51		24:50-53
	24:52-60	24:52-61		
24:52-61	(60)	(60)		
(60)			24:54 24:55 24:56 24:57-58 24:58 24:59-61 (60)	24:54-61 (60)

Yisihaaqi Ribqaa fuudhe			24:62-65	
24:62-67	24:61-67	24:62-67	24:65	
			24:66-67	24:62-67

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula vii irraa)

SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun qaleelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

Qo’annoo Jechaa fi Gaalee

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:24:1-9

¹Yommus Abrahaam dulloomee, barri isaas in sokke; Waaqayyos waan hundumaan Abrahaamiin eebbiseera. ²Gaaf tokkos Abrahaam namoota mana isaa keessaa hojjetaa isaa isa jaarsa, isa wanta inni qabu hundumaa irratta abboota ture sanaan, “kakaadhaaf harka keetiin gudeeda koo gidduu qabi! ³ Ati dubartoota warra Kanaa’an warra ani isaan keessa jiraadhu kana keessaa ilma koo akka hin fuusifneef waaqayyo gooftaa waaqaa fi lafaatiin sin kaksii! ⁴ Biyya koo, lammii koo bira dhaqi! Yisihaaq ilma kootiif durba barbaaddii fidi!” jedhe. ⁵ Hojjetaan sunis Abrahaamiin “Intalattiin ana duukaa buutee biyya kana dhufuu hin barbaaddu ta’a; Yoos ilma kee biyya ati keessa dhufte sanatti deebisee geessuu ree?” jedhee gaafate. ⁶ Abrahaamis deebisee” Ilma koo achitti akka hin geessine of-eeggadhu! ⁷ Waaqayyo gooftaan bantii waaqaa, inni mana abbaa kootii, biyya ani itti dhaladhe keessaa baasee ana fide, inni ‘Lafa kana sanyii keetiif nan kenna’ jedhee anaaf kakate, ergamaa isaa si dura ni erga; atis achii ilma kootiif durba barbaaddee ni fidda. ⁸ Intalattiin si duukaa buutee dhufuu hin barbaaddu yoo ta’e immoo, ati ilma koo achitti hin geessin malee, kakaan kun si irra hin bu’u” jedhe ⁹ Yommus hojjetichis harka isaatiin gudeeda Abrahaam gooftaa isaa gidduu qabee, dubbii kana irraatti isaaf ni kakate.

24:1” Yommus Abrahaam dulloomee, barri isaas in sokke” Seera uumamaa 25:20; Yisihaaq nama waggaa afurtamaa yeroo ta’e, Ribqaa ni fuudhe, isa jedhu Seera Uumamaa 21:5; Yeroo ilmi isaa Yisihaaq dhalateef, Abrahaam nama wagaa dhibbaa ture; Isa jedhu waliin yeroo walitti dabalamu Abrahaam nama waggaa 140 ta’a, Boqonnaa 24 jalqaba irratti. Inni kan inni jiraate waggaa 175 ta’a (UUma, 25:7).

☐ **“Waaqayyos Abrahaamiin waan hundumaan eebbiseera”** Eebbi kun maalfaa akka ta’e 24:35 irra ilaaluun ni danda’ama.

24:2 “Abrahaamis hojjetaa isaa isa jaarsa, abboomaa qabeenyaa isaatii isa taasise” maq-ibsi inni”Jaarsa” jedhu maq-ibsa (BDB 278; “areeda”isa jedhuirraa dhufe) kunis nama taayitaa qabuu dha; nama umuriidhaan caalu ta’uu dhiisuu ni danda’a (Seera Uumamaa. 50:7; Isa 3:2). Baay’een akka jedhanitti hojjetaa amanamaan kun Seera Uumamaa 15:2 irratti isa ibsame, Elii’ezaa nama biyya damasqoo ti. Mirga dhaaltummaa wajjin wal-qabatee haalli inni ittiin dubartii Yisihaaqiif taatu argachuu danda’u ibse; nama ofitto akkainni hin taane kan agarsiisuu dha; Dhugaamatti namoota Macaafa qulqulluu keessatti caqafaman keessa; namni kun nama gaarii, miidhagaa, fi gargaaraa amanamaa dha.

☐ **“Harka keetiin gudeeda koo gidduu qabi”** Kaka lakkoobsa 3 irra jiru waliin wal-qabatee goch-ibsi” qabi” jidhu (BDB 962; KB 1321; kan irratti xiyyeeffatame, aadaa keessatti akkaataa ajejaa isa murteessaa dha. (“Maal; “BDB 989; KB 1396, hiifili hafoo fayidaa dabalataaf kan gale).

Gochi aaddaa kun kan ibsame asii fi boqonnaa 47:29 irraattii dha. Kaayyoo isaa isa sirrii ilaalchisuudhaan yaadolee hedduun ni jiru:-

1. Gudeedni kan inni bakka bu’u fakkeenya sanyii nama tokkooti (BDB 437, See. Uma. 46:26; Seera Ba’u. 1:5; Abbo Firdii 8:30). Kunis saala namaa kan agarsiisuu dha. Akka sana yoo ta’es dhagna-qabaa agarsiisa, fakkeenya kakuu Waaqayyoo (Lakkoobsa 3). Kan bakka bu’u Hiikaan Joonaataniin fi Raashii lakkoobsa kana akka kanatti hiika.
2. Hiikni kunis yaadin kun sanyii akka ta’etti fudhata, kanaaf egaa Jeerom, Awugisxiis, fi Luuter kan jedhan kan inni argisiisu dhuma sanyii Abrahaam kan ta’e Masii’ichaa dha
3. Kanneen biroon immoo gocha sirrii, Yisihaaqiif haada-manaa barbaaduu kana keessatti waa’ee olaantummaa Abrahaamii ilaalu (Abin Iziraa fi Kaalviin)
4. Kun tarii kan ibsu waa’ee qulqulluu ta’uu abaarsa kakuuti. Yoo eeguu dhiifame jechuudha.

24:3” Waaqayyo gooftaa waaqaatii fi lafaatiin sin kaxsiisa” ibsitoota macaafaa baay’ee gidduutti morkii hedduun gegeeffameera-Abrahaam Waaqayyo isa dhugaa tokkicha qofa kan waaqessu (Monotheist) ta’uu isaa yookaan Heenotist (jiraachuu waaqota biraa osoo hin ganin; ofii isaatii waaqa tokko kan qabu). Gaalewwan kana fakkaatan irraa kan ka’e ani kanan amanu Abrahaam nama waaqa tokkicha waaqessu akka ta’ee dha. Beektotni hedduun immoo hanga Raajota jaarraa 8ffaatti dhugaan sirriin, karaa falaasummaa tiin akka hin guddatinii dha.

☐ **“Dubartoota warra kana’aan.... . keessaa ilma koo akka hin fuusifne”** Tarii yaadni kun kan maadde sagalee raajii isa Seera Uuma. . 15:13-16 yookaan Seera Uuma. 9:25-27 irra jiru irraa kan ka’ee ta’uu ni danda’a. (Akkasumas Seera Ba’u. . 34:15-16 fi Seera Keessa Deeb. . 7:3-6 ilaali). Abrahaam namoota gagaarii hedduu warra Kana’aan keessaa kan ta’an argateera; -

1. Nama biyya Amoor (14; 13)
2. Malkiitseedeq (14:18)
3. Abiimelek (Boqonnaa 20)

Kun kan argisiisu warri Amoor seena kana keessatti raawwataniin akka hin kufinii dha.

24:4” Biyya koo, lammii koo bira dhaqi” kun kan ibsu waa’ee sanyii Ur Kalaadotaa tii fi Naahor isa Seera Uuma. 11:28 keessaatti ibsamee dha.

24:5 “Intalattiin ana duukaa buutee biyya kana dhufuu hin barbaaddu ta’a” walumaa- galatti, hojjetichi gaaffii waa’ee hojii Abrahaam isa kaa’eeetiif kan dhibamu ture. Aabrahaamiin kan dhibu, Yisihaaq akka haada-manaa argatu isheen immoo:- (1)Maatii ishee irraa addaan Ba’uu f amantiidhaan kan of-kennitu, akkuma inni maatii isaa dhiise, (2) waaqa isaanii kan ta’e Waaqayyo isa jiraataa kan beektu akka taatuu dha.

☐ **“Yoos ilma kee biyya ati keessaa dhufte sanatti deebisee geessuu ree”** kun gaaffii Abrahaam arboomsee dha (Hefil gochimi-ibsa hin murtaa’in, hafoo fi hiifili kan hin raawwatamin gaalee wal-fakkaataa (BDB 996; KB 1427) hojjetaa isaa fi ajeja jabaataa lakkoobsa 6 irraa (“akka hin fuusifne of-eegga dhu” niifili xiyyeeffataa [BDB 1036; KB 1581] hiifilii hafoo faana [BDB 996; KB 1427] goch-ibsa lakk. 5 irratti itti maa’ii ba’ame waliin kan wal fakkaatu) Yisihaaq biyya Abrahaam itti dhalate deebi’ee akka hin dhaqneef, Sababoolee lamatu yaadama (1)

Isaan hanga yonaatti warren waaqa-tolfamaa waaqessan ta'uu ni danda'u (2) Abdii Waaqayyo kenne keessumatti Kana'aan walii waan ta'eef (Lakko. 7; Ibro. . 11:15; Seera Uuma. . 12:7; 13:15; 15:18).

24:7 “Inni ergamaa isaa si dura ni erga” Ergamaan Yaawee yeroo mara kan inni dubbatuu fi hojjetu fedha Yaawee raawwachuu dha. Innis Seera Uumamaa keessatti yeroo hedduu caqafameera (16:7; 21:17; 22:11; akkasumas Bau. 23:20; 23). Seera Uumam. 12:7 irras ilaaluun ni danda'ama.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:24:10-14

¹⁰ Ergasii hojjetichi gaalota gooftaa isaa keessaa kudhan, mi'a gooftaa isaa hundumaa keessaas wanta gaggarii fuudhee ka'ee, Aaram biyya bishaan lama gidduu sana, gara mandaraa Naahor keessa jiraatetti ni adeeme. ¹¹ Innis mandarichatti osoo hin lixin gaalota isaa bishaan boollaa tokko bira hin dhaabachiise, Yeroon isaas galgala yeroo dubartootni bishaan waraabbachuuf ba'an ture. ¹² Hojjetichis, “Yaa Waaqayyo gooftaa isa kan Abrahaam gooftaa kootii, ati har'a adda anaaf kenni, Abrahaam gooftaa kootii gaarummaa argisiisi. ¹³ Kuno ani boolla bishaanii kana biraa dhaabachaan jira, durbootni warra mandara kanaa bishaan waraabbachuuf Ba'uu f jiru. ¹⁴ Ani durba tokkon, ‘mee bishaanan dhugaa gomboo kee gannaaf qabi!’ nan jedha; isheen immoo ‘Ati dhugi gaalota kees nan obaasa’ yoo naan jette, isheen kun ishee ati Yisihaaq garbichaa keef yaaddee qopheessite haa taatu! Kanaanis ati gooftaa kootii gaarummaa argisiisuu keen an beeka” jedhe.

24:10 “Hojjetichi gaalota gooftaa isaa keessaa kudhan fudhate” Gaalonni leejjifamanii horii- manaa yoom akka ta'an, beektota seenaa gidduutti wal-morkii jabaatu jira. Isaan bal'inaan dhimma daldalaa irratti tajaajila kennaa akka hin turre ifaadha. (Jechuunis Qifilat (daldalaa siraaraa)dhaloosa Kiristoos dura hanga 1200tti. Isaan garuu tajaajila dhuunfaatiif kan isaani ooluu eegalan isaan fuula-dura.

■ **“Meesopotaamiyyaa”** jechi Warra Ibrootaa kun” Araam- fi-Haraayin” (BDB 74 fi 625; Seera Kees. Deeb. 23:4); Innis kan jechuu barbaade” Araam kan bishaanota lamaanii” Gaaleen kun kan agarsiisu giddu-galeessa kaaba Meesopotaamiyyaa ti

“Magaalaa Naahor” Naahor (BDB 637; hiikni isaa kan hubatame miti) maqaa Taaraa ti, abbaa Abrahaam (Seera Uuma. 11:22; 23; 24; 25; I Seenaa Baraa. 1:26). Inis immoo maqaa ilma Abrahaam keessaa nama tokko (Seera Uuma. 11:26; 27; 29). Dimshaashumatti, Abrahaam hojjetaan isaa akka deebi'u kan inni barbaadu, gara magaalaa obboleessi isaa Naahor keessa jiraatuu tti (Seera Uuma. 22:20-24). Innis tarii maqaa biraadhaan ni beekama, Ur Kalaadotaa, bakka ka'umsa Abrahaam yookaan gara irra-caalaan maatii isaatii itti adeeman, Kaaraan ta'a (Seera Uuma. 11:31). Akka qorannaan Macaafa Qulqulluu inni hiika haaraa (NIV) dubbatutti, magaalaa Naahor jedhamuun caqafamte gabatee suphee Meerii irratti argamuu isaatiin (Fuula 41). Akkaataa kanattis” Kaaraan” kan inni agarsiisu Godina malee, magaalaa giddu-galeessa Meesopotaamiyaatti argamtu miti.

24:12 “Hojjetichis ‘Yaa Waaqayyo gooftaa isa kan Abrahaam gooftaa kootii’ Kun amantii hojjetichaa irratti ilaalcha gadhee kennuu miti, garuu kakuu kakatameef beekamtummaa kennuu dha (Lakko. 26). Kadhatni isaas gaaffiwwan lama qaba:-

1. “Na milkeessi” (Kallattiidhumaan” Akka raawwatamu taasisi” jechuudha), BDB 899, KB 1137
2. “Argisiisi” BDB 793, KB 889

“Gaarummaa garaa irraa” jechi jedhu maqaa kakuu isa jabaa dsj dha (19:19; 20:13; 21:23; 24:12; 14; 27; 49; 32:10; 39:21; 40:14; 47:29). 19:19 irra yaada addaatu jira. Hojjetaan kun kan inni kadhatu Waaqayyo isa Abrahaamiif kakatee dha.

24:12; 16 amalli Ribqaa heedduun isaa barreeffameera.

1. Fedhii guutuu fi gargaaruuf jabina qabaachuu Lakko. 12” Kadhata hojjetaa Abrahaam”))
2. Baay'ee kan miidhage Lakko. 16
3. Durba qarree Lakko. 16
4. Keessummaa kan simattu lakko. 18-25

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:24:15-21

¹⁵ Hojjetichi kana dubbatee osoo afaanii hin fixin, kunoo, Ribqaab gomboo gatiittii irratti baattee dhufte; Isheen intala Batu’eel; Batu’eel immoo ilma Naahor obboleessa Abrahaam; haati isaa immoo Miilkaa dha. ¹⁶ Intalattiin baay’ee ija namaatti ni tolti, durba dhiirri bira hin ga’inis turte; isheen gara boolla bishaanichaatti gad-buutee, gomboo ishees guuttattee ol-deebite. ¹⁷ Hojjetaan sunis ariitiidhaan gara isheetti adeemee, “Hadaraa! Gomboo kee keessaa bishaan xinnoo ishee na habbuuqqachiisi!” jedhe. ¹⁸ Isheenis, dhugi gooftaa koo” jettee, daftee gomboo ishee harkatti gad-buufattee, isa obaafte. ¹⁹ Erga isa dheebuu baafttee booddee immoo, “Gaalota keetiifis amma isaan dhuganii quufanitti nan waraabaaf” jette; ²⁰ Isheen daftee bishaanicha gomboo ishee keessaa bidiruutti garagalchitee ammas ammas bishaan waraabuudhaaf fiigichaan gara boolla bishaaniitti gad-buute; gaalota isaa hundumaafis bishaan ni waraabde. ²¹ Namichis Waaqayyo karaa isaa ni qajeelcha yookiis hin qajeelchu yoo ta’e baruudhaaf, calluma jedhee ishee ni ilaala ture.

24:15” Miilkaan kan deesse intala Btu’el Ribqaa” Maatiin kun Seera Uuma. 22:20-24 keessatti caqafamaniiru. Hiikni maqaa abbaa isheetii, Batu’el” Nama Waaqayyoo” jechuu dha. (BDB 143 I); Kunis kan argisiisu akkaataa hafuuraan dhalchuu matii kanaa ti. Innis kan bu’a qabeessa ta’uu danda’eef, sababii hiddi sanyii maatii kanaa karaa saajjattuu Naahor Rumaahi osoo hin taanee, karaa haada-manaa isaa ishee dhugaa, Miilkaa waan ta’eef ture.

■ **“Gomboo ishee gatiittii isheetti baadhattee ol-baate”** Kun seena qabeessa ta’uu yaada kanaa qaxii ibsu keessaa isa tokkoffaa dha. Dubartootni Gibtsi (Misir) gomboo bishaanii kan isaan baatan mataa isaaniitti; warri Meesopotaamiyaa garuu kan isaan baatan cina yookaan gatiittii isaaniitti.

24:17” Hadaraa! Bishaan na habbuuqqachiis” hiifilin kun xiyyeeffattuu dha (BDB 167; KB 196). Kunis kadhata isaa isa lakko. 14 irra jiru waliin wal-sima.

24:18” Dhugi” kun xiyyeeffattuu dha. (BDB 1059; KB 1667); Kun immoo dubartii sirrii akka itti agarsiisuuf, deebii gaaffii kadhata innii kadhateeti

24:19-20” Gaalota keetiifis nan waraaba” Kunis qaama kadhata isa hojjetichi lakkoobsa 14 irratti kadhatee tii. Yaawen Ribqaadhaaf ajeja murtaa’e kenneef. Gochi kun, Gaalota dheebotoo kudhan bishaan obaasuun Ribqaatti salphaa miti, akkasumas yeroo fi human kan gaafatuu dha.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:24:22-27

²² Gaalotni isaa yeroo bishaan dhuganii quufan, namichi amartii warqee akka ruubii waqetaa ta’u isa funyaanitti kaa’atan, bitawoo warqee lamaan akka waqeta shanii kan ta’anis harkatti akka isheen ka’attuuf gad-fuudhee ni kenneef. ²³ Isheedhaanis, “Ati intala eenyuu ti? Mana abbaa keetiitti immoo iddoo bultii ni argatnaa? Adaraa anatti him!” jedhe. ²⁴ Isheenis namichaan” Ani intala Batu’el; innis ilma Naahor; haati isaa immoo Miilkaa dha. ²⁵ Nuyi afaa, ookaas baay’ee qabna, iddoon bultii immo jira” jette. ²⁶ Namichis gad-gugguufee Waaqayyoof sagadee, ²⁷ Waaqayyo gooftaan inni kan Abrahaam gooftaa kooti haa jejamu! Inni gaarummaa isaa fi amanamummaa isaa gooftaa kooti agarsiisuu hin dhiifne; Waaqayyo ana immoo karaa irra buusee gara mana obboleessa gooftaa kooti na fide” jedhe.

24:22 “Namichi amartii warqee akka ruubii waqetaa ta’u isa funyaanitti kaa’atan, bitawoo warqee lamaan akka waqeta shanii kan ta’anis harkatti akka isheen ka’attuuf gad-fuudhee” Amartiin kun amartii funyaanitti kaa’atan kan agarsiisuu dha (Lakko. 47 fi Peentaa warra Samaari’aa). Akka tilmaama kooti amartiin ruubii waqetaa funyaan kutuu danda’a (Maca. Fakke. 11:22; Isaay. 3:21; Hisqe. 16:12).

24:27

NASB

NKJV

NRSV

TEV

“garraamummaa hodhee irraa madde”

“Araara”

“Jaalala cimaa/jabaa”

“Ayyaana”

Jechi Warra Ibrootaa heesed (hesed) jedhu kun *hesed* (BDB 338; 19:19 irra isa jiru ilaali); hiikaan isaa” gaarummaa” yookaan”Amanamummaa kakaa/waadaa” jechuu dha. Innis yeroo hedduu kan caqafamu gocha Waaqayyoo irratti, saba Waaqayyoon fo’aman irrattii dha. Kan isaan itti fayyadamanis

1. Diinota isaanii irraa ooluudhaaf
2. Du’a irraa ooluudhaaf
3. Gara Waaqayyootti nama deebisuudhaaf (Faar. 109:26; 119:41; 76; 88; 124; 149; 159)
4. Cubbuu dhiisuudhaaf (Faar. 25:7; 51:1)
5. Kakuu eeguudhaaf (Seera Kees. Deeb. 7:9; 12; I Mooto. 8:23; Nahim. 1:5; 9:32; Ra. Daan. 9:4)
6. Yeroo hunda jaalalli fi kunuunis Waaqayyoo guutuu fi kan barabaraa ta’uu isaa ibsuu dhaaf (I Seena Baraa 16:34; 41; II Seena Baraa. 5:13; 7:3; 6; 20:21; Hiziraa 3:11; Faar. 100:5; 103:17; 106:1; 107:1; 118:1; 2; 3; 4; 29; 136:1; 138:8)



NASB; NKJV;

TEV

“Dhugaa”

NRSV

“Amanamummaa”

NJB

“Jaalala amanamummaa”

Kunis jecha bu’a qabeessa isa kan biro dha, “Dhugaa” (tma BDB 54) Hedduuminaan kan mul’atu akka wal-qabsiiftuutti” garraamummaa hodhee irraa madde” jecha jedhu waliin. Hiikni jecha-hundee isaatiis” Jabaa ta’u” yookaan” Mirkaneeffachuu” yeroo ta’u, kanaaf kan inni dubbatu waa’ee” Amanamummaati”. Jechi Girikii isaatii kan isa madaalu, isa Phaawuloos, qajeelimmaa amantii isa karaa ayyaanaa isa jedhu isa inni Rom4 fi Galatiyaa 3 keessti ibse, Macaafa Anbaaqoom 2:4 irraa caqasuudhaan, (Barreessitootni Akii beekaa Ibra ta’uudhaan Konee Girikitti akka barreessan yaadadhu, kan biraa Amanuu 15:6 irra ilaali). Jechootni kun yeroo mara kan isaan mul’atn wal-faana (Faar. 25:10; 40:11; 57:3; 61:7; 85:10; 89:14; 115:1).

▣ “Waaqayyos na geggeesse” Goch-ibsichi (BDB 634; KB 685; kan xumurame) Geggeessaa fi araara Waaqayyoo kan ibsuu dha, warra amananiif (Faar 5:8; 27:11; 139:24, Isaay. 58:11).

▣ “Karaa kootti” Jechi kun (BDB 202) kan inni ibsu tooftaan jireenyaa Waaqayyoo irratti amantii qabaachuu akka ta’ee dha. (Abbo. Fird. 2:22, Faar. 119:1). Jechamni Kakuu Moofaa kun ittiin waamama waldaa Kiristiyaanaa ishee jalqabaa ta’e (Jechuunis” Karaa” Ho. Ergamo. 9:2; 18:25; 26; 19:9; 23; 22:4; 24:14; 22; Akkasumas Yohaannis 14:6).

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:24:28-41

²⁸ Intalattiinis fiigdee waanta ta’e hundumaa namoota mana haadha ishee jiratinitti himite. ²⁹ Ribqaan kun obboleessa” Laabaan” jedhamu tokko qabdi turte ‘ Innis fiigichaan gara namicha isa bakkee boolla bishaanii bira jiru dhaqee, ³⁰ Amartii funyaanii fi bitawoo harkaa Ribqaa obboleettii isaa irratti argee, isa obboleettiin isaa” Namichi akkas anaan jedhe” jettes dhaga’e ‘ Gara namichaa yeroo dhaqxetti, kunoo, namichi Gaalota bira boolla bishaanii cina ni dhaabata ture. ³¹ Laabaab yommus namichaan, “Yaa namicha Waaqayyoo eebbise, kottu maaliif bakkee dhaabatta? Ani manicha qopheesseera, Gaalotaafis iddoo qopheesseera” jedhe. ³² Namichis gara manaa hin dhaqe ‘ Laabaabis Gaalota irraa hiikee midhaanii fi oookaa keenneefii, namichaafii warra namicha wajjin adeemaniifis bishaan miillaa ni kenne. ³³ Yeroo nyaatni dhiyaateeffitti immoo namichi, “Dhimma koo osoon hin imatin hin nyaadhu!” jedhe ‘ Laabaani, “himadhu kaa!” jedhe. ³⁴ Yommus namichi, “Ani hojjetaa Abrahaamiidha; ³⁵ Waaqayyoo, gooftaa ko kana baay’ee eebbisee, nama guddaa isa godheera; Inni hojjettoota dhiiraa fi dubartii, bushaa’ee, saawwa, meetii, warqee, gaalota, harrootas kenneeraaf. ³⁶ Saaraan haati-manaa gooftaa koos erga lafa guurtee, gooftaa kootiif ilma godhatte; Innis wanta qabu hundumaa ilma isaa kanaaf kennuuf jira. ³⁷ Gooftaan koo na kaksisee, ‘ Dubartoota biyya Kanaa’an isa ani keessa jiraadhu keessaa ilma koo hin fuusisin! ³⁸ Gara mana abbaa koo gara qomoo koo dhaqiitii, achi durba barbaadii fidiif; ’ jedhee na abboomeera” jedhe. ³⁹ Anis gooftaa kootiin, “Intalattiin na duukaa hin dhuftu ta’a” nan jedhe. ⁴⁰ Inni immoo, “Waaqayyoo inni akka deddeebii kootii ilaalu, ergamaa isaa si wajjin ni erga, karaa kees ni qajeelcha; Atis qomoo koo keessaa mana abbaa kootii keessaa ilma koof durba barbaadii fidiif! ⁴¹ Waa’ee kakaan koo si irraa bu’uu isaatii immoo, ati gara qomoo koo dhaqxee, isaan sitti hin kennan yoo ta’e kakaan koo si irraa ni bu’a” anaan jedhe.

24:29 “**Laabaa**” Burqaan warra Raabii Laabaaf gaarii miti, kanaaf lakkoobsi 30n yeroo hiiamu, hojjeticha simachuuf kan inni ba’e meetii obboleettii isaatiif kenname argeetii jedhu. Ta’u iyyuu lakkoobsi 30n maatii Abrahaam ni caqasa. Innis yaada Laabaafsababii dhugaa ta’uu kan danda’u. Laabaan Macaafa Qulqulluudhaan nama hubachuun isaa nama rakkisuudha. Sababii isaas lakkoobsa 31 irratti maqaa” Yaawee” jedhu gargaaramuu isaa irraa kan ka’ee fi Seera Uuma. 31:53 irraatti immoo waaqa-tolfamaa kan waaqessuu fi waaqeffataa waaqolii hedduu waan fakkaatuuf.

24:32-33 Gochi aadaa hedduun eegan hojjetaa Abrahaamiif kan ta’an, karaa Laabaa/hojjetoota Laabaati.

1. Gaalota iraa ni hiikan
2. Gaalotaaf ookaa kennan
3. “Hojjetichaan” warren isa faan turaniif miilla isaanii haa dhiqataniif bishaan kennaniif
4. Hunda isaaniif nyaata kennan

24:31-41 Kun kan irra deebi’ee dubbatu jecha Abrahaam yeroo ta’u, innis dursee boqonnaa kana irra kan jiruu dha.

24:36 “**Saaraan haati-manaa gooftaa koos erga lafa guurtee, gooftaa kootiif ilma godhatte**” walumaa galatti odeeffannoon kun kan kenname umurii Yisaaq ilaalchisuudhaan yaade maatii sanaa amansiisuudhaaf, Yisaaq ilma Abrahaam, Ribqaan immoo intala ilma Naahor.

24:41 “**Kakaa**” Jalqaba boqonnaa kana irratti Abrahaam hojjetaan isaa akka kakatu gaafateera (BDB 46). Jechi lakkoobsa 41 kana irraatti caqafame” Abaarsa” hiika jedhu qabatee jira, iinis gaaffiin Abrahaam baay’ee jabaa ta’uu isaa ka agarsiisuu dha.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:24:42-44

⁴² Har’a immoo ani dhufee burqituu bishaanii bira yommuun ga’e, “Yaa waaqayyo, gooftaa isa kan Abrahaam gooftaa kootii, waan ani deemuuf kana karaa isaa anaaf qajeelchi! ⁴³ Kunoo, ani amma burqituu bishaanii bira dhaabadheen jira; ani intala bishaan waraabbachuu dhufu tokkon, ‘ Gombo kee keessaa bishaan xinnoo ishee ana obaasi! Nan jedhe; ⁴⁴ Yommus isheen immoo, ‘Dhugi, Gaalota keefis immoo nan waraaba’ yoo anaan jette, isheen kun ishee Waaqayyo ilma gooftaa kootiif yaadee qopheesse haa taatu” nan jedhe.

24:43 “**Miidhagduu**” wanti dinqisiisu Ribqaan lakkoobsa 16 irratti durba qarree” Beethulaahi” (bethulah) jedhamtee yeroo waamamtu; lakkoobsa 43 irratti immoo miidhagduu” Almaa” (alma) jedhamtee waamamuu isheeti. Warri Macaafa Qulqulluu isa Septuwajenti jedhamu hiikan jecha Isa 7:14 fi Kutaama kana lakkoobsa 43 irraatti argamu, “Almaa” jedhamu kana” Qarree / Durba dhiira bira hin ga’in” jechuutti hiikan. Kunis jechootni kun lamaan akka aadaatti hiika wal-fakkaataa waan qabaniif ta’uu isaa hin oolu. Jechi” Beethulaahi” addumaan” Durba qarree” jechuu ta’ee, akkasumas” Almaa” jechuun” Durba heerumaaf geese” jechuu yoo ta’e; isheen durba qarree taati jedhamtee kan tilmaamamtu yoo ta’e iyyuu jechuu dha.

24:42-48 kun immoo ibsa yaada isa lakkoobsa 11-27 irra deebi’ee kan ibsuu dha

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:24:45-49

⁴⁵ Ani yaada koo keessaatti kana dubbadhee utuun hin fixin, kunoo, Ribqaan gomboo gatiittii irratti baattee dhufte; isheen gara boolla bishaanichaatti gad buutee, bishaan waraabde; anis ssheedhaan, “Hadaraa, bishaan na obaasi!” nan jedhe. ⁴⁶ Isheen yommus daftee gomboo ishee of-irraa gad boofte, “Ati dhugi gaalota kees immoo nan obaasaa” jette; anis nan dhuge, gaalotas immoo ni obaafte. ⁴⁷ Kana booddees, “Ati intala eenyuute?” jedheen ishee gaafadhe; isheen immoo deebftee, “Ani intala Batu’el; innis ilma Naahor, haati isaa immoo Miilkaa dha” jette; ani immoo funyaan isheetti amartii, harka isheettis bitawoo nan kaa’e; ⁴⁸ Gad gugguufes Waaqayyoof nan sagade; Waaqayyoo gooftaa isa kan Abrahaam gooftaa kootii, isa intala obboleessa gooftaa kootii fuudhee ilma isaatiif akkan geessuuf karaa qajeelaa irra ana buuse nan jejadha. ⁴⁹ Egaa, “isin amma gaarummaa fi amanamummaa gooftaa kootii ni agarsiiftu yoo taatan anatti himaa! Kun yoo ta’uudhaa baates gara bitaatti yookiis miragaatti akkan goruuf anatti himaa!” jedhe.

24:49 Hojjetichi deebiin Laabaa maal akka ta'e gaafateera. Tarii inni akka Abrahaam yaada-garaa qajeelaa fi dhugaadhaan ni raawwata ta'aa? Yoo Laabaan fedhii kan hin qabne ta'eef, hojjetichi dhiisee adeema (".... gara bitaatti yookiis miragaatti akkan goruuf anatti himaa!") karaa biraa yaalii gochuuf jecha.

Gochi-ibsi isaa yaadota xiyyeeffannoo sadii qaba:-

1. "Anatti himaa" BDB 616, KB 665, hiifili xiyyeeffattuu
2. "Akkan baruuf" gochi-ibsa irra deebi'ame
3. "Akkan goruuf" BDB 815; KB 937, kan hin raawwatamin akka dabalataatti kan gale.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:24:50-51

⁵⁰ Laabaanii fi Batu'el deebisanii, "Dubbiin kun Waaqayyo biraa dhufe, nuyi, 'Kanatu bade, kanatu tole' jennee sitti dubbachuu hin dandeenyu. ⁵¹ Kunoo, Ribqaab fuula kee dura jirti, fuudhii dhaqi! Akkuma Waaqayyo yaade, ilma gooftaa keetiif haadha-manaa haa taatu!" jedhan.

24:50 "Laabaanii fi Batu'el deebisanii, Dubbiin kun Waaqayyo biraa dhufe, nuyi, 'Kanatu bade, kanatu tole' jennee sitti dubbachuu hin dandeenyu" Maqaan obboleessa ishee Laabaa, maqaa abbaa issati, Batu'eel dursee caqafamuun isaa kan shaakalame miti. Barreeffama mukaa" Nuur" jedhamu irraa kan nuti hubatnu obboleessi dhimma gaa'elaa keessatti walii-galtee sana geggeessuu ni danda'a. Gaaleen dhumaa lakkoobsa kanaa, beektoota hedduu biratti hiika dogoggoraa qabateera. Kunis jechama Warra Ibrootaa ti. " Erga Waaqayyo dubbateen booda maal jenna" isa jedhuuf (Lakko. 51 gara dhumaa). Batu'el lakkoobsa 50 irratti caqafamee, lakkoobsa 53 fi 55 irratti caqafamuu dhiisuun isaa kan nama dinguu dha. Akka baay'onna tilmaamanitti yeroo kana keessatti du'eera isa jedhuu dha. Tarii yaadni Laabaan lakkoobsa 50 irratti kenne, abbaan isaa Batu'el waan du'eef yaada ofii isaatii ta'uu ni danda'a.

24:51 ajejoota hojjetichi deebii itti barbaade hedduutu jiru, sababii dhufaatii isaatii fi gaaffii isaatiif deebii barbaaduu isaa (Lakk. 49).

1. "Fuudhii" BDB 542, KB 534, kan xiyyeeffatu
2. "dhaqi" BDB 229, KB 246, kan xiyyeeffatu
3. "haada-manaa haa taatu" BDB 224, KB 243, yaada murtoo

Ribqaan waa'ee waan ta'uuf jiru lakkoobsa (57-58) keessatti malee lakkoobsa (28) irratt hin gaafatamne. Kunis erga gatiin kaadhimachuuf barbaadamu kennameen booda, kabajaan dhiyaachuu kan agarsiisu fakkaata (53. Macaafnin Qulqulluun walumaa galatti kan nuuf ibsu maaltu akka jedhamee fi maaltu akka ta'ee dha. Hafuurri Qulqulluun garuu yaada kana hunda akka geggeessu ni amanna.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:24:52-61

⁵² Hojjetaan Abrahaamis wanta isaan dubbatan kana yommuu dhaga'e, lafatti gad gugguufee waaqayyoof sagade. ⁵³ Hojjetichi kana booddee naqata meetii fi naqata warqee uffata babba'eessa fidee Ribqaadhaafkenne; obboleessa ishee fi haada isheefis immoo kenaa gati-jabeessa ni late. ⁵⁴ Innii fi namooni isaa wajjin turan nyaatanii dhuganii achuma bulanii, borumtaas ganamaan ni ka'an; namichis, "gara gooftaa kootti nan deebi'a, na geggeessaa!" jedhe. ⁵⁵ Obboleessi ishee fi haati ishee namichaan, "Intalli hamma guyyaa kudhaniitti illee taka nu bira turtee haa adeemtu!" jedhan. ⁵⁶ Namichi garuu isaaniin, "Waaqayyo karaa koo erga anaaf qajeelche, gara gooftaa koo akkan dhaquuf na geggeessaa malee, isin ana hin tursinaa!" jedheen. ⁵⁷ Isaanis, "Mee, intala waamnee waan isheen jettu ni gaaftna!" jedhan. ⁵⁸ Ribqaas waamanii, "Namicha kana wajjin ammuma ni dhaqxaa?" jedhanii ni gaafatan; isheenis, "eeyyee nan dhaqa" jette. ⁵⁹ Isaanis Ribqaa obboleettii isaanii, guddisee ishee, hojjetaa Abrahaam, namoota isa duukaa turanis ni geggeessa. ⁶⁰ Yommuu kaasanis, "Yaa obboleettii keenyaa! Ati kuma kumaatama ta'i! Sanyiin kee karra kellaa warra isa jibbanii haa qabatu, mandaroota isaaniss kan isaa haa godhatu!" jedhanii Ribqaa ni eebbisan. ⁶¹ Ribqaan, xomboreewwan ishees ka'anii gaalota yaabbatanii namicha duukaa ni adeeman; innis Ribqaa fuudhee ni adeeme.

24:52” lafatti gad gugguufee waaqayyooif sagade” Hojjetaan kun nama duratti kadhachuun isaa, amantii isaa yeroo ibsuu fi Gooftaaf galata dhiyeessuun isaa kun yeroo sadaffaa dha. Dugaamatti kun kan nama dinqu yaada Macaafa Qulqulluu ti.

24:53 Bara duriitti qabeeny kan walitti qabamu

1. Sibiilota gati-jabeeyiidhaan
2. Wantoota mimmiidhagoo
3. Wuccuuwwan gati-jabeeyyii
4. Wanta nyaataaf ta’uu kuusuudhaan
5. Lafa
6. Loon

Abrahaam dureessa beekamaa waan tureef, hojjetaan kun isaan kana hunda, warra salphaatti fuudhanii adeemuun danda’amu akka fide hubadhu.

1. Qodaa meetii irraa hojjetame
2. Qodaa warqee irraa hojjetame
3. Wuccuuwan
4. Wantoota gati-jabeeyyii.

Abraam nama qabeenyaan badhaadhaa ture. Miseensa maatii argahuun Maatii kan ta’u (jechuunis, haadha manaa Yisaaq) waan salphaa miti.

24:54 Bu’aa afeerraan sun qabu hubachuu; kunis afeerraa walii galtee sana cimsuuf geggeeffame. Afeerraan kun tarii, afeerraa guyyaa ayyaana caaluu ni danda’a.

24:55 “Guyyoota kudhan kan ta’u” Pentatukiin Samaarotaa” ji’a tokko” qaba.

24:56 Hojjetichi hariitiidhaan dirqama isaa xumuruu, dafees deemuudhaaf barbaadeera.

1. “gara gooftaa kootti nan deebi’a, na geggeessaa!” lakkoobsa 54, BDB 1018, KB 1511; peeyilii xiyyeeffattuu
2. “ana hin tursinaa!”Lakk. 56, BDB 29, KB34; peeyilii hafoo jabeessuuf kan gale
3. “na geggeessaa” lakk. 1 waliin kan wal fakkaatu.
4. “gara gooftaa kootti nan deebi’a, “ BDB 229, KB 246, yaada dabalataa ti.

24:58 Ribqaas waamanii, “Namicha kana wajjin ammuma ni dhaqxaa?” jedhanii ni gaafatan. isheenis, “eeyyee nan dhaqa” jette. Barruulee mukaa Kuunuz irraa akka hubatnutti fedhiin intalattii gaafatameera. “ nan dhaqa” yaada dabalataa ti (BDB 981 KB 1371).

24:59 “guddisee ishee” Sera Uumamaa 35:8 irraa akka hubatnutti maqaan ishee” Diboora dha”; bara dheeraas jiraateetti; Ribqaas tajaajiltee ti. “ guddisee” jechi jedhu (BDB 413, KB 416, keewwati lachuu hiifilii)” Hoosisuu” gochi-ibsa irraati (BDB 413), gargaartuu dhuunfaa kan ibsuu dha. Lakk. 61 irratti hojjetootni jiraachuu isaanii hubatna.

24:60 jechi eebbaa bifa walalootiin ittiin Ribqaa geggeessan kun sagalee waaqayyoo keessaa isa Seera Uumamaa 22:17 irratta barreeffame walii wal fakkaata. Isaanis dhalootahedduudhufuu fi lala keessatti mo’icha akka argattuuf isheedhaaf Waaqayyoon kadhataniiru.

24:61 Gaalotni jalqaba irratti kennaa fi mi’a Ribqaab ittiin kaadhimatamtee fayidaa kennan; mana bira erga ga’anii garuu, hojjetoota ishee, fi mi’a isaan qabaniif ture.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:24:62-67

⁶²Yisahaq yeroo sana gara bishaan boollaa” Be’er-Lahaayi-Ro’I” jedhamuu dhufee, biyya gara mirgaa sana keessa ni jiraata ture. ⁶³ Innisa gaaf-tokko gara galgalaa bakkeetti ba’ee yaadaan qabamee utuu adeemuu, ol ilaalee, gaalota as adeemaa jiran arge. ⁶⁴ Ribqaanis ol-ilaaltee Yisahaqin argitee, gala irraa buute; ⁶⁵ Yommus isheen hojjetaa ishee fuudhee adeemu sanaan, “Namichi bakkee keessaa as nutty adeemu

sun eenyu?” jette; hojjetichis, “Inni ilma gooftaa kootii ti” jedhee deebiseef; kana irratti isheen shaashii fudhattee ofitti haguugde. ⁶⁶ Hojjetichis wanta hojjetta hundumaa Yisahaqitti hime. ⁶⁷ Yisihaaq gara dunkaana saaraa haadha isaatti ishee ni galfate; inni Ribqaa fuudhee, isheenis haada-manaa isaa taate; ishee jaallatee, gadda haadha isaa irraas ni jajjabaate.

24:62 “Be’er-Lahaayi-Ro’i” jechi kun” Boolla bishaanii kan isa na arguu, isa jiraataa” jechuu dha. (BDB 97 fi BDB 91). Maqaan kun maqaa boolla bishaanii Seera Uuma. 16:14 irraatti; ergamaan Waaqayyoo Aggaaritti agarsiiseef kennamee dha.

24:63

NASB; NKJV

“Xiinxaluu”

NRSV; NET;

NJB; JPSOA

“Suutessuu”

Kun jecha Warra Ibrootaa darbee-barbee argamuu dha (Db 1001 I yookaan BDB 962) Warra Ibrootaadhaan Kitaabni qulqulluun as qofatti kan dhimma itta ba’ame. Hiika isaa ilaalchisuudhaan yaada hedduu keessaa muraasni isaa:

1. Saptu’aUma. tii fi Vuulgeetitti aanee, hiikni isaa” ማላላል” ነው. Warra Ibrootaadhaan jechi kallaattiidhaan isa fakkaatu ni jira; innis “Xiinxaluu” isa jedhuu dha. (BDB 967, Faar. 105:2; 119:15; 23)
2. Hiikni jechichaa akkuma Aggaari bakka kanatti goote” Ulfaachisuudhaan, suuta jedhanii xiinxaluu/ itti yaaduu” jechuu dha (Boqo. 16).
3. Hiikni” Anqaalos” jechicha yeroo hiiku” Kadhachuu” isa jedhutti hiika. Inni kun filannoon inni sadaffaan Peentatukii warra Samarotaa, Kimchii, Rashii fi Luuter irratti ni argama

24:64 “Gad-bu’uu” kallattiidhaan” Kufuu” isa jedhutti hiikama. (BDB 656, KB 709, hafoo) Innis akka aadaatti; dhiira duratti dubartiin horii yaabbattee adeemtu irraa bu’uun barbaachisaa kan ta’ee fi djobartii irraa kan eegamuu dha.

24:65 “Isheenis shaashii fudhattee ofitti haguugde” Kun kan argisiisu (1) Yisihaaqiif ulfina (2) Yisihaaqiif akka kaadhimatamte, yookaan (3) Takkaa kan hin herumin ta’uu ishee ti.

24:67 “Yisihaaq gara dunkaana saaraa haadha isaatti ishee ni galfate; inni Ribqaa fuudhee” kana gochuun isaa bu’aa qaba, Sababiin isaas Saaraan dursitee waan duuteef Yisihaaq gadda irra jiraachuu isaa ti. Miidhaginnii fi ulfinni dunkaana Saaraa; Misirrtti simachuuf haala dinqisiisaa ture.

■ “Yisihaaqis.... gadda haadha isaa irraas ni jajjabaate” lakkoobsi kun kan argisiisu Yisihaaq amma iyyuu du’a haadha isaatiif gaddaa akka jiruu dha, kanaaf jechi” Xiinxaluu” jedhu kana (Lakko. 16) akkaataa hiika keenyaatti dhiibbaa ni qabaata.

Gaaffiiwwan Maree

Kun qajeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan.

1. Maaliif Yisihaaq durba Kanaa’an akka fuudhuuf Abrahaam hin barbaadne?
2. Boqonnaa kana keessatti amantiin hojjetaa kanaa attamitti ilaalamuu qaba? Hin ilaalamuu?
3. Lakko. 29 irratti waa’ee eenyummaa Laabaa namni tokko maal jechuu danda’a?
4. Lakko. 16 irraatti durba qarree, fi lakko. 43 irraatti miidhagduu jedhamuun Ribqaa fayidaa maalii qaba?
5. Miiirri gammachuu yeroo Ribqaa fi Yisihaaq wal argan isaan keessa buufate (Lakko. 61-67) attamittiin calaqqisaa?

SEERA UUMAMAA 25

HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

NASB	NKJV	NRSV	NET	NJB
Du'uu Abrhiaam	Abrihaamii	fi Du'uu Abrhiaam	Sanyii Abrhaam	Sanyii Keexuraa
25:1-6	Keexuuraa	25:1-6	kanneen biroo	25:1-4
	25:1-6		25:1-4	25:5-6
	Du'uu Abrhiaam fi		25:5-6	Du'uu Abrhiaam
	Awwaalamuu isaa		Du'uu Abrhiaam fi	
25:7-11	25:7-11	25:7-11	Awwaalamuu isaa	25:7-11
Hidda dhalootee				
Ismaa'eel	Maatii Yishaaqii fi		25:7-11	
	Ismaa'eel		Sanyii Ismaa'eel	Sanyii Ismaa'eel
25:12-18		25:12-18		25:12-16
Ilmaan Yisihaaq			25:12-18	
	25:12-18	Diinummaa Yaaqoob		25:17
		(Israa'eel) fi Eesaw		25:18
25:19-26		(Edom)	Dhalahuu Yaaqoobii fi	Dhalahuu Yaaqoobii fi
(23)	25:19-26		Esaw	Esaw
	(23)	25:19-26	25:19-23	
		(23)	(23)	25:19a
				25:19b-23
	25:27-28		25:24-26	
	Esaaw Mirga		Esaaw Mirga	(23)
25:27-34	Angafummaa Isaa	25:27-28	Angafummaa Isaa	25:24-28
	Gurgure		Gurgure	Esaaw Mirga
	25:29-34	25:29-34	25:27-28	Angafummaa Isaa
			25:29-30	Gurgure
			25:29-34	
			25:31	
			25:32	
			25:33	
			35:33-34	

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula vii irraa)

SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAH ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

QO'ANNA JECHAA FI GAALAA

Macaafa Qulqullu Hiika Haaraa:25:1-6

¹Abrahaam haadha-manaa kan biraa fuudhe; maqaan ishees” Qexuuraa” jedham ture. ² Isheen ijoollee, “Zimiraan, Yokshaan, Medaan, Miidiyaan, Ishbaak, Shuwaa” jedhaman ni deesseef. ³Yokshaan immoo Sheebaa fi Dedaaniin dhalche; ilmaan Deedaan Ashuriim, Letushiim, Le'umiin; ilmaan Midiyaan immoo Efaa, Efer, Henok, Abiidaa, Elda'aa turan; isaan kun hundinuu ijoollee warra Qexuuraa hortee dha. ⁵ Abrahaam wanta qaba ture hundumaa Yisihaaqiif ni kenne. ⁶ Ijoollee saajjatoota isaatiif garuu Abrahaam fayyaatti utuu jiruu kennaa kekkenneefii, ilma isaa Yisihaaq irraa kaasee, gara buruutti biyya ba'a-biiftuutti isaa erge.

25:1 “Abrahaam haadha-manaa kan biraa fuudhe; maqaan ishees” Qexuuraa” jedham ture” akka aadaan Yihudootaa jedhutti kun maqaa Aggaari isa kan biraadha (Lakko. 12), garuu jechi” Saajjatoota” jedhu lakko. 6 irratti argamu heddumina kan agarsiisu waan ta'eef (BDB 811), yaada kanaan mormuudhaaf ga'aa dha. Akka tilmaama Luuteritti Abrahaam yaada isa Seera Uma. 17:4 irra jiru raawwachudhaaf kan godhe. Abrahaam Qexuuraa kan inni fuudhe du'a Saaraa booda haa ta'uu yookaan dura wanti qabatamaan hin jiru. Duraa fi boodummaan seenaa irra caalaan isaa kan inni ibsame akkaataa seenaa warra Lixaatti malee; akkaataa barreeffama seenaa Macaafa Qulqullu kan warra Ba'aatti miti. Hiikni maqaa Qexuuraa jedhamuu (BDB 882)” kan shittoon dibamte” yookaan” Aara ixaanaatiin kan aguugamte” jechuu dha.

25:2 “Isheen ijoollee deesseef” Kun hedduminaan gurmaa'ina gosa Arabaa agarsiisa. Baay'ee kan beekamu Miidiyaan (Seera Uum. . 36:35; 37:28; Seera Ba'u. 2:15, 16, 3:1, 18:1, Seera Lakko. 25:15; 31:3; 8; 9; Abbo. Firdii 6-8). Toora gosoota warra Arabaa kana ibsa seera uumamaa Leewopold jildi 2^a, fuula 690 irra argachuun ni danda'ama.

25:4 “Ilmaan Miidiyaan kan turanis” Lakko. 4 waa'ee ilmaan qomoo beekamaa kan taerrssa. Waa'ee qomoo kanaa gara boodaatti ni dhageenya, abbiyyuu Innis qomoo Qeenaawotaa/ Miidiyaanotaa keessaa kan ture, Musee irraa ti. , innis

25:6 “Ijoollee saajjatoota isaatiif garuu” Senaa Baraa isa duraa 1:32 irratti immoo Qexuuradhaan” saajjatoota” jedha.

☐ “ilma isaa Yisihaaq irraa kaasee, gara buruutti biyya ba’a-biiftuutti isaa erge” Abrahaam akkuma ilma Aggaari Ishimaa’eliin gara Gibtitti erge; ilmaan Qexuuraas Kanaa’an irra gara Ba’a-biiftuutti erge. Aadaa warra Ur kan ibsu baeerrffama gabatee Kunuuz jedhamu irraa akka hubannutti, abbaan eenyu akka dhaaltu ta’u filachuudhaafis ta’e; ijoollee Saajjato toora qabsiisuudhaaf, akka seeraatti fudhatama kan qabuu dha.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:25:7-11

⁷Barri Abrahaam jiraate waggaa dhibbaa fforbaatamii shan ture. ⁸Abrahaam ni obbaafate; ba’eessa godhee dulloomee baras quufee ni du’e, gara saba isaattis ni sassaabame. ⁹Yisihaaqii fi Ishmaa’el ilmaan isaa, holqa maakfeelaa maasii Efron ilma Zohaar Heetichaa, isa mamree irraa gara ba’a-biiftuutti hafu sana keessatti, isa ni awwaalan. ¹⁰Maasichi isa Abrahaam ijoollee Heet irraa bitee ture; Abrahaam haadha-manaa isaa birratti achitti awwaalame. Abrahaam erga du’ee, Waaqayyo Yisihaaqiin ilma Abrahaam ni eebbise; Yisihaqis” Be’er-Lahaayi- Ro’e” iddoo jedhamu ni taa’e.

25:7 “Barri Abrahaam jiraate waggaa dhibbaa fforbaatamii shan ture” innis akka dugaatti fudhatameera.

25:8 “Abrahaam ni obbaafate; ba’eessa godhee dulloomee baras quufee ni du’e” Gaalludhumti kana fakkaatu 25:17 irratti Ishmaa’eliin, 35:29 irratti Yisihaaqiin, akkasumas 49:33 irratti Yaaqoobiin ibsuudhaaf itti dhimma ba’ameera. Kunis fiixaab Ba’uu abdi Yaaween 15:15 irratti kennee dha. Duutni wanta sodaatamu miti, garuu umurii dheeraa booda kan eeggatamuu dha. (Iyyo. 42:17; I Seenaa Baraa 23:1; 29:28; II Seenaa Baraa 24:15).

☐ “gara saba isaattis ni sassaabame” Abrahaam firoota isaa warra dhiigaa biratti hin awwaalme yo ta’e iyyuu (9); kun kan argisiisu wal-argee jireenya booddee ti. Gaaleen kun Seera Uumamaa keessatti kan irra deddeebi’amee dha (25:8; 17; 35:29; 49:29; 33). Kunis du’a booda maatii kan of-keesstti qabate jireenyi ni jira. Kakuu Moofaa keessatti ifni addaa tokko Naannoo yaada kanaatti ni ibsa (Faar. 16:9-11, Iyyo. 19:25-27, Isaay. 26:19, Daan. 12:2-3). Jechoota Macaafa Qulqulluu warra jajjaboo fuula 127-129 ilaali. Ibro. 11:13-16 irraa akka hubannutti Abrahaam magaalaa Waaqayyo ijaaree fi uume eega ture.

Yaada addaa: Warri du’an eessa jiru? 15:15 ilaali.

25:9 “Ilmaan isaa.... . isa ni awwaalan” Yisihaaqii fi Ishmaa’el deebi’anii awwaala abba isaanii irratti wal arguun isaanii waan guddaa dha. 21:14 irraatti Ishmaa’el geggeefameera, garuu wal argee yeroo du’a abbaa isaaniitiin walitti dhufeenyi isaanii ni foo’ya’e. Yeroo Yisihaaq du’es waanuma kana fakkaatutu Esaawuu fi Yaaqoob gidduutti ta’e (Seera Uuma. 35:29).

☐ “Holqa maakfeelaa” Bakki kun bakka awwaalchaa Abrahaam Saaraadhaaf bitee dha (Seera Uuma. 23:17-18). Innumti imoo abboota kan biroodhaaf bakka boqonnaa ta’eera.

25:11 “Yisihaqis ‘Be’er-Lahaayi- Ro’e’ iddoo jedhamu ni taa’e” Bakki kun (BDB 91) baatee deemuu Aggaari walii wal qabatee (16:14, 24:62)caqafamee tur. Walumaa galatti Ber-sabehi irraa gara Kibbaatti yeroo jedhu, daandii guddaa gara Gibtsitti geessu jechuu dha.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:25:12-18

12 Hiddi dhaloota sanyii Ishmaa’el isa Aggaar xomboreen Saaraa isheen nama biyya Bibxii sun Abrahaamiif deessee, kanatti fufee ni lakkaa’ama; 13 Maqaan ilmaan Ishmaa’el akkuma tarree dhaloota isaaniitti, Nabaayoot ilma Ishmaa’el isa angafa, Qedaar, Adbi’el, Mibsaam, 14 Miishmaa, Dumaa, Maasaa, 15 Hadaad, Temaa, YetuurNa-fiish, Qedimaas ture. 16 Ilmaan Ishmaa’el isaan kana turan; gandi isaanii fi lafti buufata isaanii maqaa isaanii kanaan ni waamamu; akka gosoota isaaniittis gurguuddoota kudha lama qabu. 17 Barri Ishmaa’el jiraate waggaa dhibbaa fi soddonii torba ture; Ishmaa’el ni obbaafate, gara sanyii isaattis ni sassaabame. 18 Inni fuullee obboloota isaa hundumaa qabatee waan tureef, ijoolleen isaa lafa” Willaa fi Shuur” jedhaman gidduu ta’an; innis lafa yeroo gara biyya Asoritti adeeman fuullee Gibxitti mul’atuu dha.

25:12 “Kanneen galmeeffaman kun toora dhalootaati” Kun amala gaalee Macaafa Seera Uumamaa yeroo ta’u, Macaaficha seenaa jireenya namoota adaa-addatti gar-gar qooduudhaan, yeroo hedduu itti dhimma ba’ameera. Akkaataa addaatti kanneen caqafaman keessaa, sanyii Masi’icha isa dhufuu kan ta’an caalaatti (Seera Uum. 5:1; 6:9; 10:1; 11:10; 27; 25:12; 19; 36:1; 9; 37:2); warren Kakicha waliin daangaadhaan walitti dhufeenya qabaniif (Ishmaa’el) bakka gad-aanaan kennameeraaf.

25:13 “Qedaar” Kun qomoo Ishmaa’el isa jabaa dha (BDB 871, Isaay. 21:16-17, 42:11, Ermi. 2:10, 49:28, Faar. 120:5). Qomoon Ishmaa’el, akka fakkaatutti kan isaan qubatti, qomoo ilmaan Qexuuraan karaa Ba’aa fi Kibbaa ti.

25:15 “Tema” Kun bosona gaarii Kaaba-ba’aa Arabaatti kan argamuu dha, innis booda irraatti bakka waaqni-tofamaa ji’aa, Ziin itti waaqeffamu ta’e. Yaada addaa isa 12:4 irra jiru ilaali. Jechi” Tema” jedhu hiikni isaa” Bosona” jechuu dha (BDB 1066).

25:16 “gurguuddoota kudha lama” Kun fiixaan ba’umsa Seera Uumamaa 17:20 fakkaata. Jechi Warra Ibrootaa kun maqaa dura-buutummaa argisiisuu dha, akkuma bara kana keessa Qomoo Arabootaa gidduutti” Sheek” jedhamu. Jechi” kudha lama” jedhu lakkoobsa ilmaan isaa isa sirrii ta’uu hin oolu, sababiin isaas Naahor ilmaan kudha-lama qaba ture (22:20-24, Ishmaa’el gurguuddoota kudha lama qaba ture (17: 20, 25:16); Esaawuun qomoo kudha lama qab ture (36:15-19); booda irrattis Yaaqoob ilmaan kudha lama qabaata (35:22). Tarii ijaarsa qomoo isa sirrii kan bakka bu’u ta’uun isaa hin oolu.

Mata-duree addaa: Lakkoobsa Kudha lamaa

Kudha lama yeroo mara lakkoobsa fakkeenyaan qindoomina agarsiisuu dha.

A. Macaafa Qulqulluun alatti

1. Fakkeeniyota Zoodik kudha lamaan
2. Ji’oota waggaa kudha lamaan

B. Kakuu Moofaa keessatti (BDB 1040 akkasumas 797)

1. Ilmaan Yaaqoob (Qomoo Yihudii)
2. Kan isaan agarsiisanis:-
 - a) Utubaa dhagaa kudha lamaan (Bau. 24:4)
 - b) Dhagoota kudha lamaan wayyaa angafa lubaatti jiran (Qomoo kudhalamaan kan bakka bu’an) Bau 8:21
 - c) Bixxillee kudha lamaan iddoo aarsaa irraatti dhiyaatu (Seera Lewo. 24:5)
 - d) Gaaddota kudha lamaan Kanaa’anitti ergaman (Sera Lakko. 13)
 - e) Uleewwan kudha lama (madaaltuu qomoo) Seera Lakko. 17:2
 - f) Dhagoota kudha lamaan Iyyaasuun dhaabe, Iya. 4:3, 9, 20
 - g) Bulchitoota kutaa biyyoota kudha lamaanii bara Solomoon keessa turan (1Moot. 4:7)
 - h) Dhagoota kudha lamaan Eliyaas iddoo aarsaa isaa irratti Yaaweef dhaabe (1Mot. 18:31)

C. Kakuu Moofaa keessatti:-

1. Ergamoota kudha lamatu fo’ame
2. Gundoo itti nyaatan (Maat. 14:20)
3. Teessota kudha lamaan (Gosoota Israa’el kudha lamaan kan argisiisu, Maat. 19:28)
4. Ergamoota duulaa kudha lamaan, Maat. 26:53)
5. Fakkeenyummaa Mul’ataa
 - a) Maanguddoota 24 teessota 24 irra Mul. Yoh. 4:4
 - b) 144000 (12:12) 7:4, 14:1, 3
 - c) Gonfoo urjoota kudha lamaanii, Mul. Yoh 12:1
 - d) Hundeen Masaricha kan irra dhaabbate dhagoota kudha lamaan, ergamoota kudha lamaan, gosoota kudha lamaan kan bakka bu’an (Mul. Yoh 21:14)
 - e) Dhagaa bu’uuraa kudha lama; Yerusaaalem isee haaraadhaa fi jara irrattis maqaan ergamoota kudha lamaanii irratti barreeffamee jira 21:14 irratti.

- f) Waltajjii kuma kudha lama 21:16 (ammamtaa magalittii isee haaraa, Yerusaaalem isee haaraa)
- g) Masaraa Madarattii metir kuubii 144, Mul. Yoh. 21:7
- h) Karra kudha lamaan callee gati-jabeeyyii irraa hojjetaman, Mul. Yoh 21:21
- i) Mukoota si'a kudha lama ija godhatan, Mul. Yoh 22:2

25:17 **Ni boqote**” “boqote” jechi jedhu (kallattiidhaan, “Du’e” xrg BDB 157, KB 184, ያልተጠናቀቀ; Seera Uum. 6:17, 7:21, 25:8, 17, 35:29) Heddumminaan kan dhimma itta ba’ame Seera Uumamaa, Seera Lakkoobsaa, fi barreeffamoota bifa weedduudhaan barreeffaman keessatti. Hiikni bu’uuraa isaatis duwwaa ta’uu jechuu dha (yeroo dhagni hafuurattii adda ba’u).

25:18 Naannoon kun sararaa daldalaa isa Gibxii gara Soriyaa/ Baabilooni tti geessu (Daldala Siraaraa) kan ittiin to’atamu dha. Innis horsiisee bulootaa, warren dukaan keessa jiraataniif kan mijatuu dha.

☐ **“Inni fuullee obboloota isaa hundumaa qabate”** Gaaleen” Dandamachuu” jedhu (BDB 815-819) akkaataa hiikkoo hedduu qaba. Hiikni undee isaatii” Fuula dura”“Argamuu” jechuuu dha. Innis duratti lakkoobsa kana irratti akkaataa teessuma lafaa ibsuudhaaf” Cina”/” akkaataa wal fakkaataadhaan” jedhamee itti maa’ii ba’ameera; as keessatti garuu morkii saboota biro waliin qabu agarsiisuudhaaf.

Kun fiixaan yaada Seera Uumamaa 16:12 irra jiruu ti; innis yaada Ishmaa’elii fi Sanyii isaatii isa namni ofitti hin bunnee, warra horsiisee bulootaa kan ibsuu dha. Gaalleen kun karaa hedduudhaan hiikama. Irra caalaatti kan inni ta’uu danda’u iyyuu, xiyyeeffannaa isaa duultota olloota isaa irratti haleellaa lultuu taasisuu isaa ti.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:25:19-26

¹⁹Hiddi dhaloota sanyii Yisihag ilma Abrahaam kanatti fufee ni lakkaa’ama; Abrahaam Yisihagiin dhalche. ²⁰ Yisihag nama waggaa afurtamaa yeroo ta’e, Ribqaa ni fuudhe; isheen intala Batu’el nama Aaram isa Phaadaan-Aaram sanaa ti; isheen obboleetti Laabaab nama Aaram turte. ²¹ Yisihag waa’ee haadha-manaa isaa ishee dhabduu turteef Waaqayyoon kadhate; Waaqayyos wanta inni kadhate waan dhaga’eef, Ribqaab haati-manaa Yisihag ni ulfoofte. ²² Ijoolleen garaa ishee keessatti wal ni dhidhiitu turan; isheenis, “Erga akkas ta’ee, kun maal anaaf odha ree?” jette; kanas Waaqayyoon gaafachuu ni dhaqxe. ²³ Waaqayyos isheedhaan, “Gadameessa kee keessa saba lamatu jira; gosootni lamaani si irraa dhalatanis gargar ni hiramuu; gosa isa tokkotu isa kaan irra jabaata; isa angafatu isa quxusuudhaaf ergama” jedhe. ²⁴ Yeroo du’a ishee yommuu ga’e, kunoo lakkuun gadameessa ishee keessa turan. ²⁵ Inni duraa diimaa, dhagni isaa hundinuus akka uffata dabbasaa qabuu rifeensa’aatu as ba’e; maqaa isaas” Esaawuu” jedhaniin. ²⁶ Isa booddeedhaan immoo obboleessi isaa as ba’e; harki isaa koomee Esaawuu qabatee ture; maqaan isaas” Yaaqoob” jedhame; Yeroo isaan dhalatan Yisihag nama waggaa jaatamaa ture.

25:19 “Hiddi dhaloota sanyii Yisihag ilma Abrahaam kanatti fufee ni lakkaa’ama” Kun gaalee isa lakk. 12 irratti ibsame waliin amala wal fakkaatu qaba; asitti garuu kakuu waliin kan wal qabtu yeroo ta’u, baay’ee bal’aa dha.

☐ **“ilma Abrahaam.....; Abrahaam Yisihagiin dhalche”** Kun ibsa keessa deddeebi’ame haaraa dha. Jechamni” Raashii” jedhame kun Yisihag ilma Abemileek (Saaraa irraa kn inni godhate) hamee jedhu cabsuuf kan gargaaruu dha. Warri” Raabii” immoo hamee kana cabsuudhaaf Yisihag bifni isaa Abrahaamiin fakkaata jedhu; dhugaa isa Seera Uumamaa 20: 1-18 keessatti eegalame jechuu dha.

25:20 “Yisihag nama waggaa afurtamaa yeroo ta’e, Ribqaa ni fuudhe” Yoo inni 25:20 irra jiru isa lakko. 26 irra jiruu waliin wal madaalam Yisihag yeroo Yaaqoobiin dhalche nama waggaa 60 akka ta’e ifaa dha.

☐ **“Batu’el nama Aaram/Soriyaa isa Phaadaan-Aaram sanaa ti”** “Jechi Soriyaa jedhu yeroo mara” nama Armeen” jechuutti hiikama (BDB 74). Tarii innis naannoo ganda magaalaa Kaaranii ti. Phaadaan-Aaram (BDB 804 fi BDB 74) hiikni isaas” Dirree Aaram” jechuu yeroo ta’u, kan agarsiisus” Aaram-Naaharaayim” (Seera Uuma. 24:10) irra isa jiru ta’a.

25:21 “**Yisihaq waa’ee haadha-manaa isaa ishee dhabduu turteef Waaqayyoon kadhate**” Kaayyoo og-waaqummaa gurguddaa lama qaba; Abbootni durii kan isaan dubartoota dhabduu qabaachuu danda’an: (1) Waaqayyo kennuu akka danda’u agarsiisuudhaaf (2) Kunis kan ta’u yaalii namaan osoo hin taane, ayyaana Waaqayyootiin ta’uu isaa agarsiisuudhaaf. Warri Raabii yeroo kadhata, kadhata isaanii jabaan akka ta’e argisiisuudhaaf barreeffama kana itti fayyadamu.

25:22 “**Ijoolleen garaa ishee keessatti wal ni dhidhiitu turan**; “kun goch-ibsa jabaan dha (BDB 945, KB 1285), hizpolelii hafoo, kunis kan hiikame (Niidotii Jildi 3^{faa}, 1191)

1. Hundee jechaan- cabsuu, rukutuu, hiraarsuu
2. Hundee niifilin- baqaksuu, cabsuu
3. Hundee hiifilii fi peeyiliin- Bulleessuu
4. Polaliin- hakuucuu
5. Hiizpolelii dhaan- wal-caccabsuu

Gaaddiduu (dubbii) raajii kana ture lakk. 23 waliil kan wal simu.

☐ “**Erga akkas ta’ee, kun maal anaaf godha ree?**” jette. Jecha dogogorsaa kana ilaalchisuudhaan mare hedduun geggeeffameer; (“Erga akkas ta’ee, kun maal anaaf odha ree?”). Yaadolee ilaalchaa yeroo sanaa:

1. Isheen kan isheen gaafatte maaliif Waaqayyo akka isheen ulfooftu akka ishee taasissee, fi maaliif wanta ulfaataa akkasii akka ishee mudate ture; kana irratti immoo lakkuu ulfaa’uu ishee hin barre.
2. Ulfi ishee dhukkuba jabaan itti fideera; maaliif gaaffii akka kanaa akka gaafattes ishee ajaa’ibeera.
3. Haala kana keessattis jireenya ofii isheetiifis baay’ee dhiphattee ti.
4. Kan isheen sodaattee turte, erga deesseeb boodas rakkinni kun kan itti fufu isheetti fakkaatee ture. Ulfi rakkina qabu, rakkina dhufuuf jiru kan argisiisu (gaaddiduu) ture.

☐ “**kanas Waaqayyoon gaafachuu ni dhaqxe**” Kunis warra macaafa ibsan biratti morkii hedduu kaaseera. Isaan kan isaan gaafatan; eessa akka isheen dhaqxee, fi eenyuun akka gaafattee dha! Barreeffamichi kana akka hin ibsin ifaa dha. Kanneen tokko-tokko kan jedhan namoota umuriin gurguddataniif bakki waaqeffannaa addaa akka jiruu dha. Eenyuun akka gaafatte yaadota hedduutu jiru:-

1. Luuter kan jedhu Semiin akka gaafattee dha.
2. Warri Raabii kan jedhan Malkiisedeqiin akka hasofsiiftee dha.
3. Kanneen biroon immoo Abrahaamiin akka hasofsiiftee dha.
4. Kanneen biroon immoo Yisihaiin akka ta’etti amanu.
5. Tarii inni iddoo aarsaa maatii irratti kan ta’u, kadhata dhuunfaa (tarii aarsaa) ta’a.

Barreeffamni kunii fi 28:22 kan agarsiisan iddoo qulqulla’aatti argamuu kan danda’an qulqulloota hojjetoota qofa akka ta’ee dha (jechuunis, Luboota, Roonaald Diivaayokis, Israa’el warra duraa, jildi 2^a, fuula 345).

25:23 “**Waaqayyos akkas isheedhaan jedhe**” Kun jecha mararoo fayidaa guddaa qabu Ribqaadhaaf Waaqayyo biraa dhufee dha. Waaqayyo dursee ijoolleen isaa akka jiraatan Yisihaiif waadaa seenee ture (Seera Uuma. 17:19, 21:12). Raajidhumti kun ijoollee isaa keessaa eenyu idda sanyii isaatii akka qabatu ibseera. Kun Rom9:10-12 irratti caqafameera. Kan ajaa’ibsiisu maaliif Yisihaq sagalee kakuu kana Gooftaa biraa akka hin argatini dha; akkuma mul’atu Ribqaanis kan isheen isaaf ibsite, yeroo inni Esaawuu dhaaltuu akka ta’uuf yaalii taasissee dha (Boqo. 26 fi 27)

☐ “**isa angafatu isa quxusuudhaaf ergama**” Akka dubartoota abbootaa warra dhabduutti, gaaleen kun kan argisiisu sanyiin abdiin irra ka’ame karaa sirrii hin ta’in akka ta’ee dha; kunis akkaataa seera dhaaltummaa warri Seemi kennanittii dha (Rom. 9:10-12)

25:25 “**Inni dura ba’e diimaa ture**” Jechi kun (Admoonii, BDB 10, “Diimaa”) jecha Seera Uumamaa irra jiru isa waa’ee” Biyyoo” isa Waaqayyoo irraa nama uume (Uumama 2:7) waliin kan wal simuu dha (BDB 9)” Adaama” innis walumaa galatti yaada” Diimaa” jedhu kan qabuu dha (BDB 10). Seensa jecha isaati lakk. 30 irratti itti fufa; innis ittoo diimaa (BDB 10) maqaa” Edom” wal qabata; isa irraa immoo saba Esaawuu irraa dhufe argina.

☐ **“Dhagni isaa hundinuus akka uffata dabbasaa qabuu rifeensa’aatu as ba’e; maqaa isaas” Esaawuu” jedhaniin**”“Rifeensa’aa” jechi jedhu (BDB 972)” Seer” jecha jedhu waliin baay’ee wal fakkeenya qaba (BDB 973), innis maqaa edom isa jalqabaa ti. “ Diimaa” fi” Rifeensa’aa” fi” esaawuu” fi” Edom” gedduu seensa dachaatu jira

Akkaataan ibsa warra Warra Ibrootaa mucaa diimaa fi rifeensa’aa kun; tarii nama bara kana dubbisuuf hiika sirrii kennuu dhiisuu ni danda’a. Kun garuu bifa kamiin iyyuu gadummaa hin qabu. “ Rifeensa’aa” jechi jedhu (BDB 12) miidhagaa, wayyaa namatti tolu (Fakkeenyaaf Iya. 7:21, 24) yookaan isa raajichi ittiin fuula isaa aguuggatu (1Moot. 19:13, 19, 2Moot. 2:8, 13, 14).

25:26 “Isa booddeedhaan immoo obboleessi isaa as ba’e; harki isaa koomee Esaawuu qabatee ture; maqaan isaas” Yaaqoob” jedhame; “maqaa Yaaqoob jedhu (BDB 784) jecha” Koomee” jedhu waliin wal sima (BDB 784). Esaawuu Seera Uumamaa 27:36 irratti kan inni dubbatee fi Hose’I 12:3 irra isa jiru irraa kan nuti hubatnu; maqaan” Yaaqoob” jedhu gara” Butaa” jedhutti jijjiiramuu isaati (Goch-ibsa fi ibsa maqaa wal fakkaataa irraa BDB 784). Hanga laga” Yaaboq” biratti Waaqayyo waliin wallaansoo qabeetti maqaan isaa gara (Israa’elitti), akkasumas amalli isaas hin ijjiramne ture (Seera Uuma. 32:28).

☐ **“Yeroo isaan dhalatan Yisihag nama waggaa jaatamaa ture”** Yaadatamuu kan qabu, inni ilma abdi sana osoo hin argatin waggaa digdamaaf (20) amantiin eeguu isaa ti. Waaqayyo karaama Abrahaamiin qore; Yisihagiinis qoreera.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:25:27-34

²⁷ Ijoolleen kunis ni guddatan; Esaawuun nama akka itti adamsu beeku, nama bakkee oolu ta’e; Yaaqoob garuu nama amala-toleessa qee’eekeessa oolu ture. ²⁸Yisihag wanta inni adamsee fidu nyaachuun waan itti toluuf, Esaawuu ni jaallata ture; Ribqaan garuu Yaaqoobiin ni jaallatte. ²⁹Gaaf tokko utuu Yaaqoob nyaata tolchuutti jiruu, Esaawuun bakkeedhaa dhufee ol gale; isas ururiin dha’ee ture. ³⁰ Esaawuun yommus Yaaqoobiin, “Amma ururiin na dha’eera, nyaata diimaa sana akkan nyaadhuuf anaaf kenni!” jedhe. Kanaafis maqaan isaa edoom jedhame. ³¹Yaaqoob immoo” Ati dura angafummaa kee anatti gurguri kaa!” jedheen. ³²Esaawuunis, “Anoo amma du’uu ga’e, angafummaan kun maal anaaf godha ree?” jedheen. ³³ Yaaqoob immoo, “Dura anaaf kakadhu!” jedhe; innis ni kakateef; akkasittis angafummaa isaa Yaaqoobitti ni gurgure. ³⁴ Yommus Yaaqoob buddeenaa fi ittoo misiraa sana Esaawuuf ni kenne; innis nyaatee, dhugee ka’ees karaa isaa irra ni bu’e; Esaawuun akkasitti angafummaa isaa ni tuffate.

25:27 “Ijoolleen kunis ni guddatan; Esaawuun nama akka itti adamsu beeku, nama bakkee oolu ta’e; Yaaqoob garuu nama amala-toleessa qee’eekeessa oolu ture. “ Xiyyeeffannaa keewwata kanaa kan ta’u eenyummaa addaa-adda ta’e akka qabani dha. Esaawuu manaa ba’ee nama adeemuu dha; Yaaqoob garuu nama qe’eedhaa hin baanee dha. Yaaqoob warra darabduu irraa kan eegamu, hojii fakkeenya abbummaa raawwata.

“Naga-qabeessa” jecha jedhu (NKJV” Qixeessa”, NRSV fi NET “Amala-toleessa”) nama guutuu jechuu dha (BDB 1020), Asitti kan jechu barbaadame ga’aa, nama haqaa, yookaan dura-bu’aa darabdu isa sirrii. Kan kana fakkaatu qajeelummaa Iyyoob ibsuudhaaf itti dhimma ba’ameera (1:1, 8; 2:3; 8:20; 9:20, 21, 22, akkasumas immoo Faar. 37:37M. Fakk. 29:10 ilaali).

25:28 “Yisihag wanta inni adamsee fidu nyaachuun waan itti toluuf, Esaawuu ni jaallata ture; “Yishaaq amal-toleessa, naga-qabeessa ture; kanaaf tarii mucaan isaa Esaawuun waan ta’e kana hunda hin taane ta’a. Kan ajaa’ibsiisaa ta’u attamittiin osoo sagalee waaqa irraa (Seera Uumamaa 25:23) sana beekuu; Esaawuun isa biratti jaallatamaa ta’uu isaa ti.

☐ **“Ribqaan garuu Yaaqoobiin ni jaallatte.** “ Jaalalli kun yeroo mara akka gochaa ture; rakkina jabaa maatichatti fiduuf jedha. Kan fakkaatu garuu Ribqaan abdi waaqa irraa isa lakk. 23 irratti argamu fiixaab baasuuf yaalaa jirti.

25:29 Kan nama ajaa’ibuu danda’u osoo dhugaan kun dursee kan itti yaadamee fi kan irra deebia’me ta’ee dha. Yaaqoob carraa akka kanaa ni eeggata turee? Fayidaan jecha” Bilcheessuu” jedhuu (Kallattiidhaan, “Afeeluu” dha, BDB 267, KB 268, *Hiphil* IMPERFECT) yaada xiqqoo ni kenna ta’a. Jechichi hiika idilee isaatiin kan jechuu barbaadu, mirga seraan kan isaanii hin ta’in, kan ofii isaanii godhachuuf kan isaan yaalii taasisanii dha)Niidot jildi 1^a, fuula 1094).

Walumaa galatti nyaatni kun kan qophaa'e iddoo buufataa isa guddaa irraa xiqqoo achi siqee ti. Maqaan nyaatichaas.

1. "Ittoo" jedhama lakk. 29, BDB 268, "Baaqelaa xuwwaetti affeelame" 2Moot. 4:38
2. "Ittoo diimaa" lakk. 30, BDB 10
3. "Ittoo Misiraa" lakk. 34, BDB 727, 2Saamu. 17:28, 23:11, Hisq. 4:9

25:30 "Amma ururiin na dha'eera, nyaata diimaa sana akkan nyaadhuuf anaaf kenni" Kun jecha jabaataa waa'ee" Nyaachuu ti". Inni kan jedhu waa'ee" walitti haranii liqimsuuti" (BDB 542, KB 533 hiifilii xiyyeeffattuu). Dhugaamatti, Esaawuun sadarkaa beelaa irra hin geenye; garuu dadhabee ture (BDB 746, Keessa Deeb. 25:18, Abbo. Fir. 8:4-5). Esaawuun nama nama hamaa akka hin kan agarsiisan keessaa kun isa tokko; garuu ilaalcha biyya lafaa nama qabuu dha (Jechoota Macaafa Qulqulluu warra jajjaboo fuula 347-348 tti ilaali). Waa'een dhimma amantii fi itti gaafatamummaan mana keessaa isa kan dhiban hin turre

25:31; 33 Yaaqoob immoo" Ati dura angafummaa kee anatti gurguri kaa!" jedheen.... " Dura anaaf kakadhu!" jedhe.

1. "Guguruu" BDB 569, KB 581, *Qal* IMPERATIVE
2. "Kakachuu" BDB 989, KB 1396, *Niphal* IMPERATIVE

Yaaqoob dadhabii Esaawuu fayidaa mataa isaatiif akka godhate ifaa dha. Gaaffiin jiru; Sababii kan ta'e, (1) Raajii dubbatamee dhaa? (25:23); (2) fedhii maatii tii yookiis (3) fedhiima mataa isaatii ti?

25:32 "Anoo amma du'uu ga'e, angafummaan kun maal anaaf godha ree?" Kun akkaataa addaa-adda ta'een karaa sadii hiikamuu danda'a: (1) Harboomsuu; (2) Inni dhugaamatti dargaggummaa isaatti akka du'u yaadeera (BDB 559, KB 562, kan hin xumuramin, yookiin (3) Jireenya hafuuraaf nama dhimma hin qabne ta'uu isaa ti. Barruulee gabatee Kuunuz yeroo sana jiru irraa akka hubatnu, mirga angafummaa karaa seera qabeessa ta'een kan biraaf dabarsuun ni danda'ama. Dabalees kan nuti arginu gocha beekamaa ta'uu isaati; sababiin isaas Seera Keessa Deeb. 21:15-17 keessatti dhorkameera. Booda irratti Roobel bakka Yihudaa ni bu'a. Tarii Yaaqoob abboommii waaqa irraa isa lakk. 23 irra jiru sana akkaataa sirrii hin taaneen faana bu'eera ta'a.

Inni yeroo mara deemsii isa akka nama qajeelaa ta'ee; dhiibbaa nama geggeessu waan ta'eef, dhimmoota kana irratti yaada Yaaqoob hubachuun rakkisaa dha.

25:34 Tarii lakkoobsi kun gochootni Esaawuu inni qopha-galeessaa fi hawaasatti kan hin makamin jiru ta'uu isaa kan ibsu ta'uu danda'a.

1. "Innisa ni nyaate" BDB 37, KB 46, *Qal* IMPERFECT
2. "Inni ni dhuge" BDB 1059, KB 1667, *Qal* IMPERFECT
3. "Inni ni ka'e" BDB877, KB 1086, *Qal* IMPERFECT
4. "Innis ka'ee karaa isaa irra ni bu'e" BDB 229, KB 246, *Qal* IMPERFECT
5. "Inni angafummaa isaa ni tuffate" BDB 102, KB 117, *Qal* IMPERFECT

▣ **"Esaawuun akkasitti angafummaa isaa ni tuffate.** " Goch-ibsichi (BDB 102, KB 117, hafoo) kan inni argisiisu" Bu'aa akka hin qabne argisiisuuf" yookaan" Salphisani ilaaluu dha". Warri Raabii Esaawuu akka nama hamaa ta'eetti ilaalu. Ibro. 12: 6 immoo jireenya hafuuraatti nama nama bilchaataa akka hin ta'in agarsiisa. Inni jireenya hafuura maatii isaatii salphisee ilaala.

Gaaffiiwwan Maree

Kun qajeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan.

Lakk. 8 ilaalcha namootni durii du'a irratti qaban maal jedha?

1. Dubartootni abboota durii hedduun isaanii maaliif dhabduu ta'an?

2. Lakk. 23 maaliif baay'ee fayida qabeessa ta'e?
3. Qabiyyeen jecha hundee lakk. 25 irra jiru maalii dha?
4. Keessa yaada-garaa fi amala Esaawuu fi Yaaqoob baruun ni danda'ama. Attamittiin?
5. Macaafni Ibra yaada kana boqonnaa 11 fi 12 irratti attamittiin akka hike karaa isaa ibsi.

SEERA UUMAMAA 26

HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

NASB	NKJV	NRSV	NET	NJB (follows MT)
Yisihaaqa Garaara qubate	Yisihaaqii fi Abimeeleek	Seenawwan waa'ee Yisihaaq	Yisihaaq Geraaraa jiraaate	Yisihaaq Geraara
26:1-5	26:1-5	26:1-5	26:1-5	26:1-6
26:6-11	26:6-11	26:6-11	26:6-9a 26:9	26:7-11
26:12-17	26:12-16	26:12-16	26:10-11 26:12-15	26:12-14 Boolla bishaanii Geraraa fi Bershebaa gidduu
Waldhabdee boolla bishaanii irraattii	26:17-22	26:17-22	26:16-18	26:15-18
26:18-22				26:19-22
26:23-25 (24)	26:23-25	26:23-25	26:19-20 26:21-22 26:23-25	26:23-24 (24) 26:25
Kakuu Abimeeleekii wajjin			Waliigaltee Yisihaaqii fi Abimeeleek gidduu	Tokkummaa Abimeeleekii wajjinii
26:26-33	26:26-33	26:26-33	26:26-27 26:28-31 26:32-33	26:26-30 26:31-33 Hadha manaa Eessaw warra Keexiyootaa
26:34-35	26:34-35	26:34-35	Niitooloo Eesaaw warra Ormaa 26:34-35	26:34-35

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula xxiv irraa)

SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

HUBANNOO HAALA GALUMSAA CONTEXTUAL INSIGHTS

- A. Seera Uumamaa keessatti boqonnaan kun kutaa Yisihaaq keessatti taatee (Character) jalqabaa ta'ee dha.
- B. Yisihaaq kan inni gara boqonnaa kanaatti dhufe akka nama qalb-qabeessaatti amanamaa fi akka nama gaariitti. Inni akka Abrahaamii fi Yaaqoob dammaqaa miti garuu nama amanamummaadhaan Yaawee hordofuu dha.

QO'ANNA JECHAA FI GAALEE

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:26:1-5

¹Beela isa bara Abrahaam biyyichatti bu'e malee beelli ammas biyyichatti bu'ee ture Yisihaqis gaara mandara Geraar dhufee Abiimelik mootii Filiisxiyaa bira dhaqe. ²Waaqayyo yommus Yishaqitti mul'atee “ Biyya ani sitti himu keessa taa'I malee biyya Gibxitti gad hin bu'in! ³Biyya kanatti gala ta'ii jiraadhau! Ani si wajjin nan ta'a! sin eebbisas anoo biyya kana hundumaa siif sanyii keetiifis nan kenna waanan kakuudhaan Abrahaam abbaa keef dhaabe nan jabeessa. ⁴Sanyii kee akka urjoota waaqaa nan baa'isa lafa kana hundumaas sanyii keetii nan kenna sabni lafa irraa hundinuus sanyii keetiin ni eebbifamu ⁵Abrahaam dubbii koo waan dhaga'eef ajeja koo abboommii koo seerrata koo seera koos waan dhaga'eef ani kana siif nan jabeessa” jedhe.

26:1 “beelli ammas biyyichatti bu'ee ture” Kun gocha Seera Uuma. 12:10 keessatti ta'ee ture waliin kan wal fakkaatu yeroo ta'u innis Abrahaam lafa abdiin sana akka inni gad dhiisu kan isa taasisee dha.

▣ “Yisihaqis gaara mandara Geraar dhufee Abiimelik mootii Filiisxiyaa bira dhaqe” Dhaloota Kiristoosiin dura naannoo bara 1200 tti warri Filisxeem qacaramanii kan isaan lolan namootni Eejitoota warra biyya bishaan gidduu tokko turan. Isaan warra Gibxii loluu yaalanii turan garuu booddee deebi'anii Filisxeem irraa gara qarqara Kibba Lixaa qubatan. Sababii jalqabatti maqaan Abiimelik Seera Uuma. 21:12 irratti caqafameefdirqamatti moototni Filisxeem hundi maqaa kanaan waamamuun amaleeffatameera. Kunis Hadaad Sooriyaatti Fara'oon Gibxitti akkuma ta'e.

Dhugaattuu kan ta'uu danda'u

1. Gara jalqabaa irratti Kanaa'an keessa daldalootni warra Filisxeem jiraachuu ni danda'u.
2. Sabni Kanaa'an warra Filisxeem waliin waan wal makaniif maqaan kun yeroo sanatti kan hin beekamne ture.
3. Filisxeemonni Seera Uumamaa 10: 6-12 keessatti argaman Kaamii fi Kanaa'anota irraa kan dhufaniidha malee Yaafet irraa miti (Warra Eejitoota biyya bishaan gidduu). Maqichi warra Filisxeem/ Kanaa'an waliin walitti dhufeenya kan qaban saba hedduu akka ta'uu danda'anii dha (NIDOTTE, jildii. 4, fuula 1049).

26:2-3 Yaaween Yisihaaqiif abboommotaa fi abdiin hedduu qabaaf.

1. “biyya Gibxitti gad hin bu'in” Lakk. 2 BDB 432, KB 434, *Qal* IMPERFECT haala COHORTATIVE kan gale
2. “Biyya ani sitti himu keessa taa'I malee” Lakk. BDB 1014, KB 1496, *Qal* IMPERATIVE
3. “Biyya kanatti gala ta'ii jiraadhau!” lakk. 3 BDB 157, KB 184, *Qal* IMPERATIVE
4. “Ani si wajjin nan ta'a!” lakk. 3 BDB 224, KB 243, *Qal* IMPERFECT haala COHORTATIVE kan gale.

5. “Ani sin eebbisas”lakk. BDB 138, KB 159, *Piel* haala COHORTATIVE kan gale.
6. “anoo biyya kana hundumaa siif. . nan kenna” lakk. 3 BDB 678, KB 733, *Qal* IMPERFECT haala COHORTATIVE kan gale.

26:2 “Waaqayyo yommuus Yishaqitti mul’atee biyya Gibxitti gad hin bu’in!” Tarii kun Abrahaam shaakala Gibxi waan qabuuf yookiimmoo Yisihaaq lafa abdiin sanatti Waaqayyoon akka amanatuuf gochuu ta’uu danda’a.

26:3 “Ani si wajjin nan ta’a! sin eebbisas” Kunis keessa deddeebi’amee kakuu sana jabeessuu dha kunis jiraachuu Waaqayyoo qofaaf osoo hin taane (28:15 31:3) kakuu fi eebba isaa jabeessuudha

▣ **“kakuudhaan Abrahaam abbaa keef dhaabe nan jabeessa”** Kun kakuu addaa Waaqayyo Abrahaamiif kenne kan ibsuudha Seera Uumamaa 12 15 17 fi 22 irratti argama.

Goch-ibsi “Jabeessuu” jedhu (BDB 877, KB 1086, *Hiphil* PERFECT) Seera Uumamaa keessatti yeroo hedduu itti maa’ii ba’ameera.

1. Kakuu isaa jabeessuuf yookaan mirkaneessuuf 6:18 9:911 17:71921
2. Kakichaaf ulfaatina kennuuf yookaan cimsuuf 26:3 (Seer. Lewo. 26:9 Seer. Ke. Deeb. 8:18 ilaali)

26:4 Kakuun addaa-addaa sadii waan caqafaman fakkaata:- (1) Sanyii hedduu (2) Lafa (12:7 15:18-19 17:7-8 26:1-5 28:10-15 35:12) fi (3) Sabni lafa irraa hundinuu karaa Yisihaaqii fi Sanyii isaatii eebbifamu.

▣ **“akka urjoota waaqaa nan baa’isa”** Kun duratti Seera Uumamaa 15:5 fi 22:17 irratti Abrahaamiif dubbatameera. Jechoota Waaqayyo baay’ina isaaniin ibsuudhaaf ittiin Abrahaamitti dubbate kanneen biro-Cirraacha galaanaa fi Biyyoo lafaa ti

▣ **“lafa kana hundumaas”** kun gar-tokkoo abdiin Abrahaamii ti (12:7 13:15 15:18 17:8).

▣ **“sabni lafa irraa hundinuu sanyii keetiin ni eebbifamu”** gaaleen kun kallattiin yeroo hiikamu “ Ofuma isaaniitii ni eebbifamu” isa jedhu ta’a. Kakuun kun akkaataa mul’atnaa goch-ibsa lama qaba:- *Niphal* kan argamu Seer. Uuma. 12:3 18:18 28:14 Kakuu Haaraa keessatti caqafameera innis Ho. Erga. 3:25 Gala. 3:8. Seer. Uuma. 26:4 irratti immoo *Hithpael*, dhaa. ibsame innis kutaama kanaa fi Seer. Uuma. 22:16-18 irra qofaatti kan argamu kanaaf sirriitti yeroo hiikamu “ Isaanumti ni eebbifamu” isa jedhu ta’a. Dhugaattuu yaada kana lamaan gidduu garaagarummaa yartuutu jira. Dhugaamatti yoo ta’e akkaataa mul’atnaa goch-ibsoota kana hundaa gidduutti hiikaa inni Seeptuu’agentii (Saptuagent) garaagarummaa hin argisiisu. Ifaadhaa fi eebbi guddaan Waaqayyo karaa Abrahaamii fi ilmaan isaatii biyya lafaa mara kan eebbisu ta’uu isaa ti. Waaqayyo Saba tokko fo’achuudhaaf biyya lafaa fo’achuudhaaf nama tokko fo’ate. Hubachuu kan nuti qabnu Yihudootni kan fo’amaneebba addaaf osoo hin taaneegaruu ooluu saba hundaaf miishaa akka ta’anii dha. Israa’el yeroo mara mootommaa lubuutaati jechuu dha (Seer. Ba’uu 19: 5-6) ilaali.

26:5 “ Abrahaam dubbii koo waan dhaga’eef ajeja koo abboomii koo seerrata koo seera koos waan dhaga’eef” Goch-ibsootni kutaa kana keessa jiran lamaan maalummaa kakuu sanaa kan jabeessanii dha (12:1 17:1 9-14 22:16 26:3-5).

1. “Abboomamuu” (kallattiidhaan “Dhagga’anii raawwachhuu”) BDB 1033, KB 1570, *Qal* IMPERFECT
2. “Eeguu” BDB 1036, KB 1581, *Qal* IMPERFECT

Kenna waaqayyoo isa tolaa irratti falmiin dhugaata’e (Kaayyoo irratti kan hundeeffame) innis nama hundumaa waamuudhaaf (hojii Waaqayyoo isa haala irratti hin hundoofne) nama/saba tokkoof kan kennamee (Seera. Uum. 15:12-21) fi si’a hedduu kan caqafame abboomamuu (akkaataa haala argamuu abdiin Waaqayyoo) keessattii dha.

Lamaanuu dhugaa dha gochi namaa nama isa kufe fudhatam waaqa irraa hin argachiisan. Ta’u iyyu isa waliin yeroo tokko wal arginee jennaan kan itti hin bu’amnee fi hin jijjiiramne ta’uu hin dandeenyu (Efe. 1:4 2:8-9 10). Kaayyoon Waaqayyoo saba qajeelaa gara ofii isaatiitti fidhuudha. Rakkoo kan ta’u ayyaana tolaa kennamu haal-duree tokko malee fi ayyaana hojiidhaan argamu haalota hedduudhaa wajjin. Erm. 31:31-34 fi Hisq. 36:22-38 Kakuu Haaraan kan nutty argisiisu- garaa haaraayaada haaraa fi hafuura haaraa attamittiin argamuu akka danda’uu dha. Seerri Waaqayyoo inni bakkeedhaan ture kan keessaa ta’e. “firdii” (BDB 1038) “Abboomii” (BDB 846) “Seera” (BDB349) “Qajeelfama” (BDB 435) Seera Uumamaatii –Macaafa seera Lakkobsaatti as qofaa keessatti argama garuu Seera Keskeessatti yeroo mara argama. Mata-duree addaa Mul’ata waaqayyoo jedhu keewwata kanatti fufee jiru booda ilaali.

Kun kan inni caqasuu barbaade Seer. Uum. 15:6. Ibsa kana keessatti mucaa akka godhatuuf amantiin Abrahaam akka hojii amantiitti waaqayyo duratti fudhatameera akkasumas qajeelummaatti lakkaa'ameeraaf. Keewwatni Kakuu Moofaa inni murteessaan kunergamicha Phaawulosiin akka tumsa barsiisa sagalee Waaqayyootti fudhatameera Akkuma Rom. 4 fi Gal. 2-3 keessatti akkaataa dinqiidhaan ibsame qajeelummaan amntii karaa ayyaanaaf hundee barsiisaa (Doctrine) akka ta'uuf.

“Barsiisa” jechi jedhu as keessatti bakka jecha “Tora” jedhamuu yeroo jalqabaatiif itti maa'ii ba'ame (BDB 435) innis “Tora” jecha Ibraayisxe yeroo ta'u hiikni isaas “Barsiisa” yookaan “Qajeelfamoota” jechuu dha. Jechi kun Macaafota Musee warra jalqabaa shananiif maqaa ta'eera.

Mata-duree addaa: Jechoota Mul'ata waaqayyoo ibsan (Macaafa See. Kees. Deeb. Fi macaafa Far gargaaramuudhaan)

- I. “Seera” BDB 349, “galmee seera qabeessa” Heera yookaan akkaataa seeraa”
 - A. Dhira קח - Kes. . 4:1568144045 5:1 6:12425 7:11 11:32 16:12; 17:19 26:17 27:10 Faar. 2:7 50:16 81:4 99:7 105:1045 148:6
 - B. Dhalaa קחח - Kes. 6:2 8:11 10:13; 11:1 28:1545 30:1016 Faar. 89:31 119:5, 8 12, 16, 23, 26, 33, 48, 54, 64, 68, 71, 80, 83, 112, 124, 135, 145, 155, 171
- II. “Seera” BDB 435 “Qajeelfama”
 - Kes. 1:5 4:44 17:111819 27:3826 28:5861 29:2129 30:1031:9 Faar. 1:2 19:7 78:10 94:12 105:45 119:118 29, 34, 44, 51, 53, 55, 61, 70, 72, 77, 85, 92, 97, 109 113, 126, 136, 142, 150, 153, 163, 165, 174
- III. “Dhuga baatota” BDB 730 “Seerota waaqa irra kennaman”
 - A. Kan hedduminaa קחחצ - Kee. Deeb. 4:45 6:1720 Faar. 25:10 78:56 93:5 99:7 119:22244659 79 95 119 125 138146152167168
 - B. קחצ yookaan קחצ - Faar. 19:7 78:5, 81:5, 119:2, 14, 31, 36, 88, 99, 111, 129, 144, 157
- IV. “Qajeelfama” BDB 824, “itti-gaafatamummaa”
 - Faar. 19:8, 103:18, 111:7, 119:4, 15, 27, 40, 45, 56, 63, 69, 78, 87, 93, 94, 100, 104, 110, 128, 134, 141, 159, 168, 173
- V. “Abboommota” BDB 846
 - Kee. Deeb. 4:2, 40; 5:29; 6:1, 2, 17, 25; 8:1, 2, 11; 10:13; 11:13; 15:5; 26:13, 17; 30:11, 16; Faar. 19:8; 119:6, 10, 19, 21, 32, 35, 47, 48, 60, 66, 73, 86, 96, 98, 115, 127, 131, 143, 151, 166, 176
- VI. “Murtoowwan/ BDB 1048, “qajeelfamoota” yookaan “Haqa”
 - Kee. Deeb. 1:17, 4:1, 5, 8, 14, 45; 7:12; 16:18; 30:16; 33:10, 21; Faar. 10:5; 18:22 19:9; 48:11; 89:30; 97:8; 105:5, 7; 119:7, 13, 20, 30, 39, 43, 52, 62, 75, 84, 102, 106, 120, 137, 149, 156, 160, 164; 147:19; 149:9
- VII. “Karaa isaa” BDB 202 qajeelfamni Yaawee saba isaatiif tooftaa jireenyaati Kee. Deeb. 8:6; 10:12;
 - 11:22, 28; 19:9; 26:17; 28:9; 30:16; 32:4; Faar. 119:3, 5, 37, 59
- VIII. “Sagalee isaa”
 - A. BDB 202 - Kee. Deeb 4:10, 12, 36; 9:10, 10:4, Faar. 119:9, 16, 17, 25, 28, 42, 43, 49, 57, 65, 74, 81, 89, 101, 105, 107, 114, 130, 139, 147, 160, 161, 169
 - B. BDB 57
 1. “Sagalee” - Kee. Deeb. 17:19; 18:19; 33:9; Faar. 119:11, 67, 103, 162, 170, 172
 2. “Abdii” - Faar. 119:38, 41, 50, 58, 76, 82, 116, 133, 140, 148, 154
 3. “Abboomii” - Faar. 119:158

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:26:6-11

⁶Akkasitti Yisihaaq Gerrar keessa ni jiraate. ⁷Namoonni iddoo sanaa waa'ee haada-manaa isaatii yommuu isa gaafatan “Isheen obboleettii koot” jedhe isheen ija namaatti waan toltuufnamoonni iddoo

sanaa Ribqaaf jedhanii ana ajjeesu jedhee yaade kanaaf”Isheen haadha-manaa kooti” jechuu ni sodaate. ⁸ Erga inni guyyaa baay’ee achi turees gaaf-tokko Abiimelek mootiin Filiisxiyaa karaa Isaaqaa manaa gad ilaale Yisihaaq kunoo Ribqaa haadha-manaa isaatti utuu rigatu arge. ⁹ Innis Yisihaaqiin waamsisee “Kunoo isheen haadha-manaa keeti! Attamitti ‘isheen obboleettii kooti’ jette ree?” jedhee isa gaafate Yisihaaqis deebisee “Sababii isheef akkan hin duuneef kana nan jedhe” jedhe. ¹⁰ Abiimelek “Wanti ati nu irratti hojjette kun maali? Namoota keessaa tokko haadha-manaa kee wajjin ciisuuf hamma xinnootti hafe Kanaanis yakka mataa keenya irratti hin fidda turte” jedhe. ¹¹ Kana irratti Abiimelek abboommii baasee “eenyu illee namicha kana haadha-manaa isaas tuqee yoo argame tokkichumaan haa ajjeefamu!” jedhee namoota hundumaa akeekkachiise.

26:7 “Isheen obboleettii kooti jedhe ‘Haada-manaa kooti’ jechuu waan sodaateef” Namoonni tokko-tokko isa kana akka wanta aadaa keessatti fudhatamaatti ilaalu barreeffama Kuunuz waliin kan wal qabate dhiirri haadha-manaa isaa akka waan guddisa fudhateetti ilaala. Yoo akka kana ta’e Yisihaaq dhugaa isaa dubbate jechuu dha. Garuu Yisihaaq faana abbaa isaa kan hordofe fakkaata (Seera Uum. . 12:13 20:2 12). Jireenya Abrahaam keessatti kun hanga tokko dhugummaa yoo qabaate illee kan Yisihaaq keessatti garuu shakkii qaba sababiin isaas lakko. 7 fi 9 irraatti yeroo ilaallu soda ofii isaatii qabu waliin kan wal qabatee dha. Kun immoo hir’ina amantii isaatii kan mul’isuu dha Waaqayyo isa waliin akka ta’uu fi akka isa eega kakuu galeef ture. Ta’e iyyuu garuu waaqayyo amanamaa waan ta’eef akkuma Abrahaamiin gargaare hir’ina amantii Yisihaaq Waaqayyo gidduu galee ture.

26:8 “Yisihaaq kunoo Ribqaa haadha-manaa isaatti utuu rigatu arge” BDB 850, KB 1019, *Piel* PARTICIPLE maqaa Yisihaaqiif kenname waliin hundee wal fakkaataa dha hiikaan isaas “kolfoo”yookaan “xabachuu” (BDB 850Seera Uuma. 17:1719 18:12 21:6, 9). Akkuma See. Uuma. 39:17 fi See. Ba’uu32:6 irra jiru, asi keessatti hiikaa waa’ee saal-quunnamtii qaba.

26:10 “Abiimeleks jedhee” Abemiilek inni yeroo Abrahaam tures ta’e inni yeroo Yisihaaq sakoo dhaanis ta’e naamusaan abboota isaanii irra ni wayyu kunis kan agarsiisu Kanaa’anonni yeroo gochi seena qabeessi kun raawwatame turan hanga t’e waa’ee hafuuraa kan beekan akka jiranii dha.

26:11 Eegumsi Yaawee labsii kan dudda duuba ni jira!

“haa ajjeefamu” gaaleen jedhu gaaleen-isa *Qal* INFINITIVE ABSOLUTE fi *Hophal* IMPERFECT xumura hin murtaa’inii kan calaqqisiisuu dha (BDB 559 KB 562) Kunis yaadichi jabaataa akka ta’e kan ibsuu dha.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:26:12-17

¹² Yisihaaq biyya sana midhaan facaasee wagguma sana keessa dacha dhibba hin galfate waaqayyos isa ni eebbise ¹³ Inni hamma baay’ee nama guddaa ta’utti ituma guddachaa adeeme. ¹⁴ Sababii inni hojjetoota baay’ee bushaayee saawwanis qabuuf warri Filisxiyaa isatti hinaafan. ¹⁵ Kanaaf isaan boolla isa Abrahaam abbaan isaa utumaa jiru hojjetoonni isaa qotanii bishaan baasanii turan hundumaa duuchanii biyyoo itti guutan. ¹⁶ Abiimelekis Yisihaaqiin “Ati nu caalaa baay’ee jabaatteettanu gidduudhaa adeemi!” jedhe. ¹⁷ Yisihaq kana irratti achii adeemee godoo isaa dachaa Geraar keessa dhaabbatee achi ni taa’e.

26:12-14 Eebbota jiran

1. dacha dhibba hin galfate lakk. 12.
2. Inni hamma baay’ee nama guddaa ta’utti ituma guddachaa adeeme lakk. 13
3. bushaayee saawwanis qabuuf lakk. 14
4. hojjetoota baay’ee lakk. 14

Inni lammaffaa kan lakkoofsa 2 irraa gochima *Qal* INFINITIVE ABSOLUTE fi *Qal* IMPERFECT hundee tokkicha isa (BDB 229, KB 246), jabina kan agarsiisudha.

Inni sadaffaan kan lakkoofsa 2 irraa gaaleen jiru addeessa hundee toikkicha irraa (BDB 152, KB 178, *Qal* PERFECT).

26:12 “waaqayyos isa ni eebbise” Kun kallattiidhumaan hojichi waaqa irraa akka ta’e beekamtummaa kennuu yeroo ta’u inns maddi eebbichaa oogummaa Yisihaaq qonnaa irratti qabu osoo hin taane Waaqayyo ta’uu isaa ti.

26:14 “warri Filiisxiyaa isatti hinaafan (BDB 888 KB 1109, *Piel* IMPERFECT) “hinaafu” dha.

1. Boolla bishaanii isa kan Abrahaam ni duuchan lakk. 15
2. Isaan Yisihaaqin of-gidduudhaa ni baasan lakk. 16

Badhaadhummaan Yisihaaq kan yaadameef Filiisxemmoon gara Yaawee akka dhufaniif ture garuu ittumaa haammeenya fi jal’ina isaan keessatti uume.

26:15 “Warri Filiisxiyaas ni duuchan” Yisihaaq lakkoobsaanis ta’e baay’ina Looniin yeroo baay’achaa dhufetti warra Filiisxiyaatiif madda soda ta’e isaanis Yisihaaq horsiisee bulaa akka ta’e waan beekaniif yoo bishaan dhabe gad-dhiisee adeemuu danda’a jechuu irraa kan ka’e soda fi naasuu isaanii boolla bishaanii isa kan Yisihaaq duuchuudhaan mul’isan. Kutaan boqonnaa 26 kun amantii fi obsa Yisihaaq kan argisiisuu dha. Eenyummaan isaa bal’inaan morkii mirga bishaanii waliin wal qabatee ka’e akkamitti akka inni tasgabeeessa keessatti mul’ateera.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:26:18-22

¹⁸ Yisihaaqis boolla bishaanii isa hojjetootni bara Abrahaam abbaa isaa qotanii warrai Filiisxiyaa immoo erga Abrahaam du’ee duuchan deebisee qochisiise maqaa dura abbaan isaa itti moggaasee tures ni deebiseef. ¹⁹ Hojjetoonni Yisihaaqis dacha sana keessa qotanii burqituu bishaanii achitti argatan. ²⁰ Tiksooni warra Geraar “Bishaan kun kan keenya” jedhanii tiksoota Yisihaaqitti qoccolloo kaasan sababii isaan bishaanicha isatti falmaniif Yisihaaq maqaa boolla bishaanichaa “Eseeq” jedhee moggaase (“Eseeq” jechuun “Falmaa” jechuudha. ²¹ Kana booddees hojjetoonni isaa boolla bishaanii kan biraa ni qotanisa irrattis immoo warri Geraar qoccolloo ni kaasan Yisihaaqis bishaanicha “Sixinaa” jedhee ni moggaase (“Sixinaa” jechuun “Amajaajii” jechuu dha). ²² Yommus Yisihaaq achii adeeme boolla bishaanii kan biraa qochisiise isa irratti garuu namni qoccolloo hin kaafne kana irratti inni “Amma Waaqayyo iddoo ba’aa nuuf kenneera nuyis biyyicha keessatti ni baay’anna” jedhee maqaa boollichaa Rehobotitti moggaase{ “Rehoboti” jechuun “Bal’ina” jechuudha}.

26:18 “maqaa dura abbaan isaa itti moggaasee tures ni deebiseef” Kun kakaabbaa isaa wajjin waliif galee walii kan wal qabate, sirna aadaa maatii ta’uu yookaan gocha amantti ti.

26:20-22 “Eseeq... Sixinaa... Rehobot” kun Yisihaaq olloota isaa waliin walitti dhufeenya inni qaba ture kanargisiisu, maqaa boollotta bishaanii sadanii ti.

1. Hiikni maqaa boolla bishaanii isa jalqabaa “Falmaa” jechuu dha. (BDB 796)
2. Maqaan boolla bishaanii isa lammaaffa “amajaajii” (BDB 966 II)
3. Maqaan boolla bishaanii isa sadaffaa “Bal’ina” (BDB 932)

Innis jecha Warra Ibrootaa yeroo ta’u, kan inni bakka bu’us aara-galfii fi nagaa akkasumas gammachuu dha.

26:22 “Amma Waaqayyo iddoo ba’aa nuuf kenneera nuyis biyyicha keessatti ni baay’anna” Yisihaaq salphaatti warra Filiisxiyaa mo’uudhaaf, kan isa dandeessisu human namaa qaba garuu Waaqayyo isa abdii isaaf kenne eeggachuu fo’ate. Maqaan boolla bishaanii isa sadaffaa fi bakki isaa tokkuma (BDB 932).

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:26:23-25

²³ Kana booddee Yisihaaq iddoo sanaa ka’ee, mandara Bersheebaatti ol ba’e ²⁴ Waaqayyo gaafuma sana halkan isatti mul’atee, “Ani Waaqayyo abbaa kee isa kan Abrahaam anis ii wajjinan jira, ati immoo hin sodaatin! Garbicha koo Abrahaamiif jedhee sin eebbisa, sanyii kees nan baay’isa!” jedhe. ²⁵ Yisihaaqis achitti iddoo aarsaa ijaaree, maqaa Waaqayyoo ni waammate godoo isaa achi dhaabbatee, hojjetoonni isaas boolla bishaanii ni qotan.

26:23 “Kana booddee.... mandara Bersheebaatti ol ba’e” Kun Kibba lafa onaa Yihudaa yeroo ta’u, Abrahaamiif bakaa jireenya isaa isa sirrii ture (Seera Uum. 22:19).

26:24 “Waaqayyo gaafuma sana halkan isatti mul’atee, “ Bakka kanatti Yaaween Yisihaaqitti yeroo lammaffaa itti mul’achuu isaati (Lakk. 2). Asitti abjuu halkaniitiin ture (15:5, 12 21:12, 14 22:1-3 26:24). Hedduun mul’ata seera uumamaa irra jiranii bifa walaloo barreeffaman kana akka 24 (12:1-3 15:1, 18 17:1-2, 4-5 35:10, 11-12) .

▣ **“Ani Waaqayyo abbaa kee isa kan Abrahaam”** Yaawee fi Elo’iim akkamitti akka isaan wal qixa (cina) ta’an ilaali (Seera Uum. . 2:4). Kun lakk. 2 irra caalaa mul’ata wayyuu fi guutuu dha. Kunis Mul’ata kanneen Waaqayyo inni hin sochoone Abrahaamitti mul’ise walii akkaataa wal fakkaataa ta’eenii dha.

▣ **“anis ii wajjinan jira, ati immoo hin sodaatin”** Abdii guddaa akkamii dha (Akkasumas 15:1 21:17 46:3 irra isa jiru ilaali).

▣ **“ Garbicha koo Abrahaamiif jedhee”** Kun Abrahaamiif, Museedhaaf, Iyyaasuudhaaf, fi Daawwitiidhaaf surraa kabaja addaa ti. Innis tarii ka’umsa jalqaba gaalee Phaawulos “ Hijjetaa Yesuus Kiristoos”.

26:25 Bakkeen Yaaween itti mul’ate, bakkeen qulqullaa’oo jedhamaniiru. Bakkeen kanatti iddoon aarsaan hojjetamaniir isaanis iddoo waaqeffannaa, kadhataa fi iddoo itti aarsaa dhiyeessan ta’aniiru (8:20 12:7, 8 13:4, 18 22:9).

▣ **“hojjetoonni isaas boolla bishaanii ni qotan”** Bakkeen baay’ee ho’oo ta’an kanatti bishaanni wanta guddaa ture. Yisihq gargaarsaa fi qajeelfama Yaawee obsaan eegeera. Akkaataa yaada barreeffama kanaatti boolli bishaanii hedduun caqafamuun isaanii argamuu fi eebba Yaawee argisiisa.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:26:26-33

²⁶ Gaaf tokkoo Abiimelek, Ahuzaat gorsituu isaa, Fikool abba duulaa isaa wajjin mandara Geraarii ba’ee Yisihq bira ni dhufe. ²⁷ Yisihq isaaniin, “ Ana jibbitanii of-gidduudhaa erga na baaftanii, maaliif na bira dhuftan?” jedhe. ²⁸ Isaan immoo deebisani, “ Waaqayyo si wajjin akka jiru ba’eessa goonee argineerra kanaaf waliif kakachuudhaan walii galtee dhaabuu ni yaadne ²⁹ Ati amma Waaqayyoon eebbifamteetta! Akkuma nuyi utuu si hin tuqin, gaarii malees hamaa utuu si irratti hin hojjetin nagaadhaan gad-sidhiifne, atis hamaa nu irratti hin hojjetin” jedhan. ³⁰ Yisihq nyaata isaaniif qophaa’e ni dhiyeesseef isaanis ni nyaatan, ni dhuganis. ³¹ Borumtaas barriidhaan ka’anii erga waliif kakatanii booddee, Yisihq isaan geggeesse isaanis nagaadhaan isa biraa ka’anii ni adeeman. ³² Gaafuma sana hojjetoonni Yisihq dhufanii, waa’ee boolla bishaanii isa qotanii isatti himanii, “Nuyi bishaan arganneerra” jedhan. ³³ Innis boolla bishaanichaa “Sheebaa” jedhee moggaase {“sheebaa” jechuun “Kakaa” jechuu dha} Maqaan mandara sanaas sababii kanaaf amma har’aatti “Bersheebaa” jedhamee beekame.

26:26 “Abiimelek... Fikool” Seera Uum. 21:22 keessatti maqoonni kun kan caqafan yoo ta’an illee, garaa-garummaan waggoota 75-80 gidduu kana waan jiruuf isaanu sana akka hin taane ifaa dha. Seensa Faar. 34 akkuma jiru maqoonni kun maqaa kabajaa ti.

26:27 Yisihq ammas ari’amu isaa irraa kan ka’e yaada haarii fi gaabbiitu irraa mul’ata.

26:28 “Waaqayyo si wajjin akka jiru ba’eessa goonee argineerra” lakkoofsa kanaaf seerluga gosa garaa garaatu jiru.

1. “ba’eessa goonee argineerra” kun goch-ibsa hin murtaa’in raawwatamaa fi raawwatamaa dha hundee wal fakkaataa dhaan (BDB 906, KB 1157), innis “ Mul’inatti ture” jechuu dha.
2. “Ammas kakaan haa ta’u” BDB 224, KB 243, *Qal* JUSSIVE; “Kakaa” jechi jedhu (BDB 46) yeroolama qofa kan argamu kunis kutaama kana keessaa fi 24:41 irratti inni lakk. 31 irra jiru garuu jecha addaa ti (BDB 989). Innis kaka yookaan abaarsa jechuu ta’a (See. Lakko. 5:21, 23, 27 See. Kee. Deeb. 29:12, 14, 19, 20, 21). Innis kan argisiisu “ Namni kaka hin eegne abaaramaa haa ta’u” jechuu dha.
3. “Kakuu haa taasifnu” BDB 503, KB 500, *Qal* COHORTATIVE

Eebbi abbootaa kun kaayyoo waaqa irraa qaba. Isaaniif kun waan lafa irraa kennuuf osoo hin taane, walitti dhufeenya addaa Yaawee waliin qaba beeksisuufii dha (Lakk. 29).

26:30 “Nyaata isaaniif qopheesse” hafeerraa michummaa kakuu murteessuu fi jabeessuuf beekamee dha.

26:32-33 “Isaanis boolla qotan.... . ‘Nuyi bishaan arganneerra’ ...’Sheebaa” Boolli bishaanii kun fayidaa foonii fi hafuuraa akka qabu ifaa dha. Isaanis eebba Waaqayyo jireenya Yisihq keessatti raawwate mirkaneessu. Tarii lakk. 33 “Bersheebaa” isa jedhuun kan mormu fakkaachuu ni danda’a (BDB 9880 See. Uuma. 21:31, maqichis yeroo ibsamu “ Boolla kaka” yookaan “ Boolla warren torbaa” jechuu dha. Sheebaan tarii “Kakaa” kan

argisiisu ta'uu ni danda'a. Jechi Warra Ibrootaa “ Torba” jedhuu fi “Kakachuu” jedhu raawwatanii kan wal fakkaatanii dha. Keessumatti jechoota Kakuu Moofaa keessatti kan beekamanii dha, itti fayyadama isaa caalatti iyyuu, tarii ka'umsa beekamaa qabaachuu ni danda'u.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:26:34-35

³⁴ Esaawuun waggaa afurtama erga jiraatee, Yodit intala Berii nama gosa Heet akkasumas Basmaat intala Eloon nama gosa Heet ni fuudhe. ³⁵ Isaanis Yisihaii fi Ribqaa garaa guban.

26:34-35 Gochim kun lamaan sadarkaa boqonnaa 27, keessumatti immoo lakk. 46 kan mul'isanii dha. Barreessaan kanaa wantoota booda irratti akka hafuuraatti fayidaa qaban yaada kana keessatti walitti qabsiisa (Jechuunis, Yisihaii fi Ribqaan Yaaqoob biyya Karanii haadha-manaa akka fuudhuuf deebisanii achitti akka ergan).

Gaaffiiwwan Maree

Kun qajeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan.

1. Abiimelek inni See. Uuma. 21 irra jiruu, isa See. Uuma. 26 irra jiru waliin tokkoo?
2. Ka'umsi warra Filiisxiyaa Mmaalii dha?
3. Lammanuu iyyuu, Abrahaamis ta'e Yisihaii maliif dubartootni isaanii obboleettota isaan akka ta'an ibsan?
4. Boqonnaa kana keessatti, kaayyoon boolli bishaanii hedduun caqafamuu isaanii maaliif?
5. Seera kakuun bar-durii fi hafeerraa ibsi, mul'ata Macaafa Qulqulluu keessatti qabu irratti attamittiin dhiibbaa fiduu akka danda'u.

SEERA UUMAMAA 27

HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

NASB	NKJV	NRSV	NET	NJB (Matsiin faana bu'e)
Gowomsuu Yaaqoob	Yiishaaq Yaaqoobiin Eebbise	sababaa eebba isaa Yaaqoob Eesaawuun Gowwomse	Yiishaaq Yaaqoobiin Eebbise	Yaaqoob Eebba Eesawu gowwomsee fudhate
27:1-4	27:1-4	27:1-4	27:1b 27:1b 27:2-4	27:1-4
27:5-17	27:5-17	27:5-17	27:5-10 27:11-12 27:13-17	27:5-10 27:11-17
27:18-29 (27-29)	27:18-29 (27-29)	27:18-29 (27-29)	27:18a 27:18b 27:19 27:20a 27:20b 27:21-24a 27:24b 27:25-29	27:18-29 (27b-29)
Eebba hatame	Abdii Eessaw isa bade 27:30-38		Eesaaw Eebba Yisihaaq kadhate	
27:30-38		27:30-38	27:30-31 27:32 27:33 27:34 27:35 27:36 27:37 27:38-40 (39-40)	27:30-40 (39-40a)

27:39-40	27:39-40			
(39-40)	(39-40)	27:39-40		
	Yaaqoob Eesaw harka miliqe	(39-40)		27:41
27:41-45	(27:41-28:5)	27:41-45	27:42-45	27:41-45
	27:41-46	Yaaqoob gara Aaraam deemuu fi Abjuu inni Beetelitti arge (27:46-28:22)	Yishaaq Yaaqoobiin gara Laabaatti erge (27:46-28:5)	Yishaaq Yaaqoobiin gara Laabaatti erge (27:46-28:5)
27:46		27:46-28:5		

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula vii irraa)

SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHA A ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

Qo'annoo Jechaa fi Gaalee

- A. Hedduminaan, ibsitootni kutaan kun Ribqaa fi Yaaqoob irratti kan dhi'aate yaada faallaa akka ta'etti fudhachaa turan. Ta'u iyyuu akka yaada See. Uuma. 25:23 iitti, Yisihaii fi Esawuudha yaada Waaqayyo irratti dhiibbaa geggeessuuf kan yaalan.
- B. Esaawuun waa'ee mirga abgafummaa isaatiif hin dhimmamu, dursee iyyuu Yaaqoobitti gurgurateera (See. Uuma. 25:27-43). Barreessaan macaafa Ibr Kakuu Haaraa keessa yaada garaa Esaawuu nuuf ibsa (Ibro. 12:16-17). Mirgi angafummaa eebba abbootaa waliin kan wal qabatu ture (Jechuunis, "Lubbuun koo sii haa eebbiftuu ti" yaada jedhu waliin, lakk. 4, 19, 25, 31). Esaawuun tokko iyyuu mul'ata waaqayyo Ribqaadhaaf kenne, jechuunis fuula duratti waa'ee mirga angafummaa isaatii dhimma kan hin qabne ta'uu isaa See. Uuma. 25 irratti ibsameera. Yisihaii waa'ee mul'ata kanaa Ribqaatti akka dubbate dagateera ta'a, isheenis waa'ee dhimmichaa isaa waliin haa dubbattuu yookaan haa calliftuu ifaa miti, garuu Yaaqoob yeroo hedduu akka jedhu waa'ee dhimmichaa" Dursee akka akka beekutti" miti. Kana jechuun inni dhiibbaa geggeessuuf yaada hin qabu jechuu miti, garuu rakkolee boqonnaa kana keessatti mul'atniif isa taajjabuun/ qeequun qajeelaa miti.

- C. Boqonnaan kun fedhii Yisahaq waliin wal qabatee ajajootni hin shakalamin kan keessatti mul’atanii dha, innis eebba abbummaa Esaawuu eebbisuun dura, nyaatni akka isaaf dhiyaatu gaafachuu isaa.

QO’ANNOO JECHAA FI GAALEE

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:27:1-4

¹ Yisahaq dulloomee iji isaas bararrisee yeroo arguu dhabetti, Esaawuu ilma isaa isa angafa waamee, “Yaa ilma ko!” jedheen; innis deebiseefii, “Kunoo asan jira!” jedhe. ² Abbaan isaas, “Kunoo, ani amma dulloomeera, guyyaa du’a kootiis hin beeku; ³ Ammas mi’a kee, mannee xiyya keetii, iddaa kees fudhadhuu gara bakkeetti ba’i, bushaayee bakkees anaaf adamsi! ⁴ Nyaata dham jedhu sanyii isa ani jaalladhuu qopheessitii, ani utuun hin du’in nyaadhee, garaan koo akka si’eëbbisutti anaaf dhiyeessi!” jedhe.

27:1 “Yisahaq dulloomee iji isaas bararrisee yeroo arguu dhabetti” Dhuknbi ijaa biyya Ba’a dhi’oo ishee durii keessatti dhibee beekamaa dha (Yaaqoob See. Uuma. 48:10; Eelii 1Saamu. 3:2 fi booda irrattis Phaawulos Gala. 4:13-15; 6:11; II Qoro. 12:7).

☐ “Esaawuu ilma isaa isa angafa waamee” Kun kan argisiisu (1) Yisahaq esaawuuf jaalala addaa akka qabu (See. Uuma. 25:28), kunis boqonnaan isaa dabalaa yoommuu dhufuu kan mul’atu, yookaan (2) Akka aadaatti isa angafa akka ta’u (Jechuunis, kallattiidhaan” Angafa” BDB 152, jechuunis, umuriidhaan (10:21, 44:12) muchichi maatii keessatti ilaalcha addaa akka qabu.

27:2 “Kunoo, ani amma dulloomeera, guyyaa du’a kootiis hin beeku” Ajaa’ibsiisaa kan ta’u Yisahaq waggaa 137 ta’ee waa’ee du’aa isaa dhiphachuu isaati. See. Uuma. 35:28 irraa akka hubannu kan inni jiraati waggaa 180. Tarii yaadni akkasii kan madduu danda’e, obboleessi isaa Ishma’eel umurii 137 tti du’uu isaa ti (See. Uuma. 25:17) irratti akka ibsam, egaa Yisahaq kan inni dubbachaa jiru rakkina ofii isaa irra dhaabbateeti malee, mul’ata waaqayyoo irratti hundaa’ee miti.

Yeroo fi bakka wal fakkaataa ta’etti barreeffama Gabatee Kuunuz irraa akka hubatnutti jechi” Ani dulloomeera” jedhu jecha seeraa ta’a, kunis akka seeraatti dhala ofii qabeenyaa dhaalchisuu.

27:3; 4 Eebba abbummaa kennuun dura, nyaata gaafachuu Yisahaq walii wal qabatee wal-qabsiiftota xiyyeeffatoo ta’antu jiru. Kana keessa ajaji/ gaaffiin Yisahaq ni jiru.

1. “**Ammas mi’a kee, mannee xiyya keetii, iddaa kees fudhadhuu**” (“billaa “BDB 068, Kakuu Moofaa keessatti asi qofaa fi “Xiyya” BDB 905), lakk. 3, BDB 669, KB 724, *Qal* IMPERATIVE
2. “**gara bakkeetti ba’i**” lakk. . 3 BDB 422, KB 425, *Qal* IMPERATIVE
3. “**anaaf adamsi**” lakk. 3, BDB 844, KB 1010, xiyyeeffattuu *Qal* IMPERATIVE
4. “**4Nyaata dham jedhu... qopheessitii!**” lakk. 4, BDB 793, KB 889, *Qal* IMPERATIVE
5. “**anaaf dhiyeessi**” lakk. 4, BDB 97, KB 112, hiiifilii xiyyeeffattuu *Hiphil* IMPERATIVE
6. “**Akka ani nyaadhuuf**” lakk. 4, BDB 37, KB 46, degertuu *Qal* COHORTATIVE

27:4 “**garaan koo**” jechi kun hafuura isa jedhuu dha (BDB 659, KB 711, lakk. 25), innis kan argisiisu hafuura isa jireenya qabuu dha. Bineelladootaafis ni fayyada (See. Uuma. 1:24; 2:19) yookaan namootaaf (See. Uuma. 2:7). Akka ilaalcha warra Girikootaatti namootni hafuura hin qaban, **isaan lubbuu dha**. Namummaan foonii isaanii, daangaa mul’ataa kan gamtaa foonii/hafuura/ lubbuu isaanii ti.

☐ “**ani utuun hin du’in nyaadhee, ...akka si’eëbbisutti**” Kaayyoon nyaatichaa geggeessummaa maatii itti dabarsuudhaaf sirna geggeeffamee dha (Jechunis, eebba abbummaa). Akka yaada isa kan Warra Ibrootaatti jechi dubbichaa, si tokko kennamee jennaan deebi’ee haqamuu akka hin dandeenyee dha (lakk. 33-38; Isaay. 55:11).

Yisahaq akka du’u yaadeera (lakk. 2), garuu yeroo dheeraa jiraate. Yisahaq abdi Abbrahaamiif kennametti fayyadamaa ta’eera. Ta’u iyyuu kan inni yaadee, iji isaa jaamuuf akka jedhu, dhiyoottis akka du’uudha. Dhukkubni foonii namatti gammaduu dhiisuu Waaqayyoof kan argisiisu miti, garuu bu’aa biyyaa lafaa ishee cubbuu keessatti kuftee jirtuu ti (“Dhibee Wangeela fayyummaa fi badhaadhumma” isa jedhu qabsiisa Gorden F. dubbis).

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:27:5-17

⁵Esaawuunis adamsee bushaayee bakkeedhaa fiduudhaaf ni dhaqe; yeroo Yisihag ilma isaa Esaawuu wajjin kana dubbatu immoo, Ribqaan ni dhaggeeffatti turte. ⁶Kanaaf Ribqaan ilma ishee Yaaqoobiin, “Abbaan kee obboleessa kee Esaawuutti utuu dubbatuu ani dhaga’eera; ⁷Inni, ‘bushaayee bakkee adamsii anaaf fidi, anis nyaadhee utuun hin du’in Waaqayyo duratti akkan si eebbisuuf, nyaata dham jedhu anaaf qopheessi!’ ittiin jedheera. ⁸Ammas yaa ilma ko, dubbii ani sitti himu kana keessatti waanan si abbootuu na dhaga’i! ⁹Amma gara karra bushaayee dhaqii, achiis ilmoolee reettii babba’eeyyii lama gara kootti fidi! anis isaan qalee nyaata dham jedhu, sanyii isa inni jaallatu, abbaa keetiif nan qopheessaa; ¹⁰Atis akka inni nyaatee utuu hin du’in dura si eebbisutti, abbaa keetii ni dhiyeessitaa” jette. ¹¹Yaaqoob garuu deebisee Ribqaa haadha isaatiin, “Kunoo, obboleessi koo Esaawuun dhagni isaa rifeensa’aadha, dhagni koo immoo mucucaataadha; ¹²tarii abbaan koo qaqqabee yoo na ilaale, waan isatti ga’ise nan fakkaadha; kanaanis eebba utuu hin ta’in abaarsa of-irratti nan fida” jedhe. ¹³Haati isaas deebiftee, “Yaa ilma ko, abaarsi kee anaaf haa ta’u! Waanan siin jedhu duwwaa dhaga’iitii, dhaqii isa ani siin jedhe sana anatti fidi!” jetteen. ¹⁴Innis dhaqee ilmoolee sana fuudhee, gara haadha isaatti isaan fide; haati isaa immoo nyaata dham jedhu sanyii isa abbaan isaa jaallatuu ni qopheessite; ¹⁵Uffanni Esaawuu inni caalu haadha isaa bira mana ture; Ribqaan haati isaas uffata ilma ishee isa angafaa sana fuutee, Yaaqoob ilma ishee isa quxusuutti ni uffifte; ¹⁶gogaa ilmoolee reettii sanaas harka isaa fi morma isaa isa mucucaataatti uffifte; ¹⁷nyaata isa dham jedhaa, buddeena isa qopheessites harka Yaaqoob ilma isheetti ni kennite.

27:5 “yeroo Yisihag... kana dubbatu, Ribqaan ni dhaggeeffatti turte” Rakkoon inaffaa fi dhiibbaa gochuu maatii kana keessa akka jiru beekamaa dha. Ribqaa fi Yisihag gidduuttii fi Yaaqoobii fi esaawuu giidduutti walitti bu’iinsii fi muddamni akka jiru ni beekna. Taatota beekamoo Kakuu Moofaa kana gidduu rakkoon maatii fi gaa’elaa ture, akkamittiin Macaafni Qulqulluun akka ibse ilaaluun isaa ajaa’ibsiisaa dha. Karaa qaawwaa dunkaanaa isheetii dhaggeeffachuun Ribqaa kan hiikamuu danda’u, isheen nama dhokatee dhaggeeffattu ta’uu ishee, yookaan immoo inni Waaqayyo See. Uuma. 25:23 irraatti dubbate akka fiixaan ba’umsa argatuuf akka yaalii taasistuu dha. Ani keewwata kana kanan hubadhu, Yaaqoobii fi Ribqaan shakkii karaa Yisihag jirutti kan isaan fayyadamuu barbaadaniif, Yisihagii fi Esaawuun raajii Waaqayyo mul’inatti dubbate argachuuf yaalii taasistuu isaanii ti.

27:7 Xiyyeeffattootni kan isaan calaqqisiisan lakk. 3 fi 4 dha.

☐ “**utuun hin du’in Waaqayyo duratti akkan si eebbisuuf**” Dhugaan beekamaan maqaan waaqayyoo caqafameef (Barreeffamicha irratti Ribqaadhaa, Yisihagiin osoo hin ta’in lakk. 4) fayidaa eebba abbummaa kan argisiisuu dha. Innis kan mul’atu dimshaashumatti human adda ta’e akka qabuu, kunis yeroo tokko ta’ee jennaan lammaffaa deebi’uu akka hin dandeenyee dha. Innis kakuu Waaqayyo Abrahaamiif, booda immoo Yisihag, Yaaqoob, fi ilmaan isaa kudha lamaaniif kennewaliin yeroo ilaalamu, baay’ee fa’ida qabeessa.

27:8-9 Ribqaan Yisihagiin gowwomsuuf murteessite, yaada garaa isaa ittisuuf, kanaaf Yaaqoobiin ajaje”

1. Dhaga’i”, lakk. 8, BDB 1033, KB 1570, xiyyeeffattuu
2. gara karra bushaayee dhaqii lakk. 9, BDB 229, KB 246, xiyyeeffattuu
3. ilmoolee reettii babba’eeyyii lama gara kootti fidi! lakk. 9, BDB 542, KB 534, xiyyeeffattuu
4. nyaata dham jedhu, . . . nan qopheessaa; lakk. BDB 793, KB 889, (*Qal* IMPERFECT COHORTATIVE sense) hafoo akka tumsaatti kan gale.

27:9 “**sanyii isa abbaan isaa jaallatuu**” Ribqaan nyaatni Yisihag jaallatu attamitti akka qophaa’u beekti. Walumaa galatti yeroo isaaf hin hojjetu ta’a yookaan Esaawuu gaafatee hin beeku ta’a.

27:11 “**obboleessi koo Esaawuun dhagni isaa rifeensa’aadha**” See. Uuma. 25:25 ilaali.

27:12

NASB, NKJV	“kan dogogorsaa”
NIV (miil jalee)	“kan gowwomsu”
NRSV	“Gowwomsuu”
NET	“Dogogorsuu”
NJB	“waliin dha’uu”

Goch-ibsi Warra Ibrootaa isaa (BDB 1073, KB 1770, *Pilpel* PARTICIPLE) *Pilpel eessattikana*” keessatti hiikin isaa Gowwomsuu” yookaan” Dogoggorsuu” yeroo ta’u *Hitpalpel* stem (2Seena Bara. 36:16) kan argisiisu” Gowwomsuu” yookaan” waliin dha’uu” dha (NIDOTTE, jildii 4, fuula 320). Jechi kun Kakuu Moofaa keessatti kan argamu asi kutaa kana lamaan qofa keessatti. NIV kan isaan hiiku akka “waliin dha’uu” fi”jal’isuu” dha.

Kun 25:26 keessatti maqaa Yaaqoob waliin wal hin fakkaatu (BDB 784).

27:13-17 Gocha jabaa kana keessatti kun kan argisiisu kaayyoon Yaaqoobii fi Ribqaa maal akka ta’ee dha.

27:13 “abaarsi kee anaaf haa ta’u” Hiikaan Masoreet gochima hin qabu. Ribqaan ajajuu akka inni qabu beekteetti! Kan isheen Yaaqoobiin ajajeef itti gaafatamummaa isheetiin akka iini raawwatuuf ture.

1. Tole jedhii (kallattiidhaan, dhaga’i), BDB 1033, KB 1570, *Qal* IMPERATIVE, xiyyeeffattuu, lakk. 5 (yeroo lama), 6, 8, 13, 34, 43
2. Dhaqi, (BDB 229, KB 246, *Qal* IMPERATIVE, xiyyeeffattuu, lakk. 5, 9, 13, 14
3. Fidi, BDB 542, KB 534, *Qal* IMPERATIVE, xiyyeeffattuu lakk. 9, 13, 14, 15, 35, 36 (yeroo lama), 45, 46

27:15-17 gochaawwam wal fakkaataa hunadhu.

1. uffata ilma ishee isa angafaa sana fuutee (BDB 326), Yaaqoob ilma ishee isa quxusuutti ni uffifte; lakk. 15
2. gogaa ilmoolee reettii sanaas harka isaa fi morma isaa isa mucucaataatti uffiftelakk. 16 (Tarii immoo ilmoolee warra nyaata qopheessuuf qalaman).
3. buddeena isa qopheessites harka Yaaqoob ilma isheetti ni kennite lakk. 17

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:27:18-29

¹⁸ Yaaqoob lafa abbaan isaa turetti ol lixee, “Abbayee ko” jedheen; innis deebisee, “Kunoo, ani asan jira, eenyu ati yaa ilma ko?” jedhe. ¹⁹ Yaaqoob immoo abbaa isaatiin, “Ani Esaawuu ilma kee isa angafa; ani akka ati jette godheera, ati ol jedhii taa’i, garaan kee akka na eebbisuttis isan adamsee fide nyaadhu” jedhe. ²⁰ Yisihag garuu ilma isaatiin, “Attamitti akkas daftee argatte, ilma ko?” jedhe; innis deebisee, “Kana waaqayyo kee gooftichatu ija kootti qabe” jedheen. ²¹ Yisihag yommus Yaaqoobiin, “Ani si qaqqabee, dhuguma ilma koo Esaawuu ta’uu keef hin taanee kee akkan ilaalutti, asi dhiyaadhu” jedhe. ²² Yaaqoobis gara abbaa isaatti ni dhiyaate; innis isa qaqqabee ilaalee, “sagaleen isaa sagalee Yaaqoob, harki isaa garuu harka Esaawuuti” jedhe. ²³ Harki isaa rifeensa’aa akka harka obboleessa isaa Esaawuu waan tureef, abbaan isaa isa baruu hin dandeenye, kanaafis isa eebbisuuf jedhe. ²⁴ Abbaan isaa, “Ati dhuguma ilma koo Esaawuu dhaa?” jedhe; inni immoo deebisee, “Eeyyee ana” jedhe. ²⁵ Yommus inni immoo, “Yaa ilma ko, isa ati adamsitee fide nyaadhee, garaan koo akka si eebbisuuf, as anaaf dhiyeessi kaa!” jedhe; Yaaqoobis gara isaatti ni dhiyeesse, innis ni nyaate; daadhii wayinii immoo ni fideef, innis ni dhuge. ²⁶ Kana booddee Yisihag abbaan isaa, “As anatti dhiyaadhuu, na dhungadhu ilma ko” jedhe. ²⁷ Innis itti dhiyaatee abbaa isaa ni dhungate; abbaan isaas foolii wayyaa isaa ni suufe, achumaanis isa eebbise, “Ilaa, fooliin ilma koo, akka foolii maasii waaqayyo eebbiseeti! ²⁸ Waaqayyo waaqa irraa fixeensa, laficha irraas cooma, gobbin ija midhaanii fi wayinii siif haa kennu! ²⁹ Sabni baay’een siif haa hojjetan, gosoonni lafa irraas siif haa qoomma’an! Obboloota kee irratti abboomaa ta’i, ilmaan haadha keetiis siif haa qoomma’an! Namni si habaaru haa abaaramu, namni si eebbisu immoo haa eebbifamu” jedhe.

27:18-24 Kun jalqaba soba hedduu ti.

1. eenyu ati?, lakk. 18, Ani Esaawuu dha lakk. 19
2. Attamitti akkas daftee argatte? lakk. 20, waaqayyo kee gooftichatu ija kootti qabe lakk. 20
3. Ati dhugumaan Esaawuu dhaa?, lakk. 24, Ana, lakk. 24
4. Shakkiin Yisihag lakk. . 21, 24, 27 irratti ni mul’ata

27:19 Yaaqoob Yisihagiin gaafate

1. Akka ka’uuf, BDB 877, KB 1086, *Qal* IMPERATIVE xiyyeeffattuu

2. Taa'I, BDB 442, KB 444, *Qal* IMPERATIVE xiyyeeffattuu
3. Nyaadhu, BDB 37, KB 46, *Qal* IMPERATIVE xiyyeeffattuu

27:20 “innis deebisee, “Kana waaqayyo kee gooftichatu ija kootti qabe jedheen” Ibsitoonni hedduun yaada kana akka arrabsiootti ilaalu, sababiin isaas Yaaqoob maqaa Waaqayyoo waamee sobeera. Garuu akka ani yaadutti, dhugaa Yaaqoob dubbatu, raajii Waaqayyo waa’ee isaatiif dubbate karaa haadha isaa yeroo ta’u, akkasumas mirgi angafummaa inni Esaawuu irraa bitate Waaqayyo biraa akka ta’ee dha.

27:22-23 Ribqaan gogaa ilmoolee sanaa eeggannaan harka isaa (Qubeen isaa) irratti gochuu qabdi. Akkamitti akka itti qabsiifte ifaa miti. Ta’uu kan danda’u” Harki isaa” kan argisiisu irree isaa lamaan ta’uu danda’a.

27:25 Walumaa galatti eebbi adda ta’e kun, dura-buutummaa maatii dabarsuu akka kakuu ti; kanaaf nyaata waliin walitti dhufa. Waliin nyaatanii deebi’anii ganuun, isa kan biraa irratti yakki jabaan akka waan raawwatamiitti ilaalama.

27:26-27 Kun qorumsa isa kan biraa dha. Dhungachuun yeroo hedduu gocha nagaa wal gaafachuu fi nagaa walitti dhaamuuti, asi irratti garuu Yaaqoob gara Yisihaqitti dhiyaatee isaa fi uffata isaa akka fuunfatu taasisa. Esaawuun hojii adamoo waliin kan wal qabate foolii adda ta’e qabaachuutu irra ture.

27:27-29 Yisihaq kan inni yaadee ture, eebba abbummaa Esaawuu eebbisuu yeroo ta’u, garuu Yaaqoobiif kenname. Eebba qonnaas akka of-keessatti qabatee jiru hubadhu (Seera Kees. Deeb. 33:28), darbee iyyuu immoo sanyii maatii isaatiif hundee jabaa. Akkasumas immoo eebba Abrahaam waliin walitti dhufeenya kan qaban tokko-tokko ni argamu (Lakk. 29).

27:28 “waaqa irraa fixeensa” Bokkaan warra Filiisxiyaatiif kan inni roobu yeroo murtaa’ee qofa (Bokkaa duraa, Seera Kee. Dee. 11:14; iyo. 2:23; Bokkaa dhumaa, Seera Kee. Dee. 11:14; iyo. 2:23). Yeroon makarii inni kan biraan kan ta’u fixeensa waaqa irraatiin. Kanaaf’ Fixeensi” (BDB 378) kenna ta’uu Waaqayyoo fi ayyaana isaa bakka kan bu’uu dha (Seera Kee. Dee. 33:13, 28).

Lakk. 28 fi 29 wanta walitti isaan hidhu qabu, kanneen hin raawwatamin akka xiyyeeffattuutti walitti hidhuudhaan (IMPERFECTS used as JUSSIVES).

1. “Waaqayyo siif haa kennu” lakk. 28, BDB 678, KB 733, kan hin raawwatamin jabeessuudhaaf kan gale.
2. “Sabni baay’een siif haa hojjetan” lakk. 29, BDB 712, KB 773, kan hin raawwatamin jabeessuudhaaf kan gale.
3. “gosoonna lafa irraas siif haa qoomma’an” lakk. 29, BDB 1005, KB 295, *Hishtaphel* IMPERFECT
4. “Obboloota kee irratti abboomaa ta’i, “ lakk. 29, BDB 217, KB 241, xiyyeeffattuu *Qal* IMPERATIVE
5. “ilmaan haadha keetiis siif haa qoomma’an!” lakk. 29, akka lakk. 3

27:29 Ciigoon Ibra kun akkaata cenaayina naqa walqixxee ta’e kan qabu ingliffaan (parallel symmetry). Innis Seera Uumamaa 25:23 irra isa jiru dhugaa ifa taasisa; Seera Uumamaa 12 :1-3 irra isa jiru kakuu kan Abrahaam caqasa,

“kan eebbifame” (BDB 138, KB 159) fi” kan abaarame” (BDB 176, KB 91) kan inni bakka bu’u jiraachuu fi jiraachuu dhiisuu kennaan ayyaana Waaqayyoo ti (Seera Lakko. 24:9; Seera Kees. Dee. 27:15-28:19). Innis hubachuun kan danda’amu abdi kakuu ti.

☐ “ilmaan haadha keetiis siif haa qoomma’an!” Kun Yaaqoobiif kan qophaa’ee dha (Yisihaq Esaawuutti akka waan dubbatuu ti).

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:27:30-38

³⁰Yisihaq akkuma Yaaqoobiin eebbisee fixeena, Yaaqoobis fuula abbaa isaa Yisihaq duraa gad ba’een, Esaawuu obboleessi isaa adamoodhaa dhufee ol gale. ³¹Innis immoo nyaata dham jedhu qopheessee abbaa isaatiif ni fide; abbaa isaatiinis, “Abbayee ko, ka’ii! Garaan kee akka na eebbisuttis isa ani ilmi kee adamsee fide nyaadhu!” jedhe. ³²Yisihaq abbaan isaa immoo, “Eenyu ati?” jedhe; innis deebiseefii, “Ana Esaawuu ilma kee isa angafa” jedhe. ³³Yommus Yisihaq na’ee guddaa hoollate, “Yoos immoo inni

bushaayee bakkee adamsee gara kootti fide sun eenyu ture ree? Anoo hunduma isaa nyaadhee, utuu ati hin dhufin dura isa eebbiseera; eeyee inni eebbifamaa ni ta’a” jedhe. ³⁴Esaawuun waan abbaan isaa dubbate

erga dhaga'een, dubbiin isaa itti hammaannaan sagalee isaa guddisee ni iyye; abbaa isaatiinis, “Abbayee ko, ‘Anas eebbisi!’” jedhe. ³⁵ Inni garuu, obboleessi kee haxxummaadhaan dhufee, eebba kee fudhatee ni sokke” jedhe. ³⁶ Esaawuunis, “Akkuma iyyuu maqaan isaa Yaaqoob jedhame mitii re? Inni kanaan si lammaffaa haxxummaadhaan qooda koo fudhachuu isaa ti! Dura angafummaa koo ana irraa fudhate, amma immoo kunoo eebba koo ana irraa fudhate” jedhe; kana booddee immoo abbaa isaatiin, “Ati eebba tokko illee anaaf hin hambifnee?” jedhe. ³⁷ Yisihaaq immoo deebisee Esaawuudhaan, “Kunoo, ani si irratti abbootaa isa godheera; obbollooni isaa isaaf akka hojjetaniif kenneeraaf, midhaanii fi wayiniis isa argachiiseera; egaa siif immoo maal godhu yaa ilma ko?” jedhe. ³⁸ Esaawuun immoo kana irratti abbaa isaatiin, “Yaa abbaa ko, ati eebba tokkicha qabdaa? Anas immoo eebbis malee, yaa abbaa ko!” jedhe; Esaawuunis sagalee isaa ol fudhatee ni boo'e.

27:30 “akkuma Yisihaq duraa gad ba'een, “ Gaaleen kun raawwatamaa hin murtaa'inii fi goch-ibsa raawwatamaa dha, (*Qal* INFINITIVE ABSOLUTE and *Qal* PERFECT VERB) hundee wal fakkaataa (BDB 422, KB 425) irraa. Kun gad Ba'uu Yaaqoobii fi ol seenuu Esaawuu gidduu yeroo xiqqoo jirtu caqasuudhaaf, gaalee xiyyeeffannaa guddaa kennuu dha.

27:31 “abbaa isaatiinis” Haasawaan Esaawuun lakk. 19 irratti itti fayyadame, akkuma isa Yaaqoob itti fayyadamee ta'uun isaa nama dinqa. Tarii iyyuu Yaaqoob akkaataa dubbatnaa obboleessa isaatiitti dhimma Ba'uu dhaan, abbaa isaa dogogoprsuu yaaleera ta'a. Ta'u iyyuu tarii akkaataa dubbatnaa shaakalame ta'uu ni danda'a.

7:32 Esaawuun akkuma tasaa ofii isaa” Ilma angafaa” jedhee of beeksise (BDB 114). Duraan garuu kun tasumaa isa hin gammachiifne ture (25:29-34).

27:33 “Yommu Yisihaq na'ee guddaa hoollatee” Warra Ibrootaatti beekkamtummaa goch-ibsa fi gulummaa argisiisuu dha (BDB 353, KB 350, Daan. 10:7), dirqamatti hiikamuun kan irra jiru” Naasuu guddaa na'e” isa jedhuttii dha. Ani barreeffama kana kanan hubadhu, Yisihaq Waaqayyoon wallaansoo qabaa akka jiru kan hubatu dhuma irratti ta'uu isaati, ilma isaa isa angafa Esaawuu eebbisuudhaan, haaruu Yaaqoobiin qofa miti. Sirriitti yoo caqasan wanti nama ajaa'ibu, kun immoo karaa biraa ta'uu isaati, innis kakuu ijoollee angafaa irra jiru ilaalchisee, Waaqayyo olaantummaa isaa mul'isuuf abdi abbaa irraa fudhachuuf karaa sirrii isa Seera Uumamaa boqonnaa jalqabaa kana keessatti argamuun akka hin taane. Ijoollee warra lammaffaa yookaan warra boodaati eebba abbummaa kan fudhatan.

▣ “eeyee, inni eebbifamaa ni ta'a” Gaalee kana hubachuun kan danda'amu (1) Jecha jabaa dubbiidhaan mul'ate faalleessuudhaan innis, ala takkaa erga kennamee deebi'uu akka hin dandeenye, HUBANNOO HAALA GALUMSAA faalleessuudhaan; yookaan, (2) Yisihaq Waaqayyotti falmuun isaa kan itti hubatamee dha (Yaadannoo itti fufee jiru ilaali).

27:34 “sagalee isaa guddisee ni iyye” haalli jiru ulfaataa akka ta'e hubadhu.

1. Jecha hubannoo (BDB 858, KB 1042), “Innis iyya guddaa iyye”
2. “Guddaa” ibsa maqaa (BDB 152)
3. “hadhaa'aa” ibsa maqaa (BDB 600 I)

▣ “Abbayee ko, ‘Anas eebbisi!’” kun peeyili xiyyeeffattuu jalaqabaa keessa dha. (BDB 138, KB 159, lakk. 38). Ibro. 12:17 irraa kan nuti hubannu, Esaawuun eebba lafa irraa dhabuun isaa kan isatti dhaga'ame yoo ta'e illee, kan inni gadde gochaawwan doggora raawwatamani ti.

27:35-36 “obboleessi kee haxxummaadhaan dhufee, eebba kee fudhatee” Yaaqoob”, “Butaa”, “Hamaa”, (BDB 784), fi” gowwomsituu” (BDB 941) jedhamuu isaa hanga tokko dhugaa dha; sababiin isaas (1) Esaawuun mirga angafummaa ofii isaatii gurguruu irraa kan ka'e (lakk. 36 fi See. Uuma. 25:27-34) fi (2) Yisihaq isa Waaqayyo See. Uuma. 25:23 irratti Ribqaatti mul'ise dagachuu isaatiin. Maqaan Yaaqoob jedhu kan mul'ate” Hamaa” yookaan” Butaa” isa jedhuudhaan (BDB 139) See. Uuma. 25:26.

27:36 “Inni kanaan si lammaffaa” Kun mul'inatti See. Uuma. 25:27-31 fi 27:18-29 kan argisiisu dha.

▣ “Eebba...mirga angafummaa” Warra Ibrootaadhaan akkaataa jechaatu jira, jecha baay'ee wal fakkaataadhaan. “Mirga angafummaa” isa jedhuun kan gitu” *bekhorah*” (BDB 114), akkasumas “Eebba” isa jedhu kan gitu immoo” *berakhah*” (BDB 139) isa jedhuu dha.

▣ “**Ati eebba tokko illee anaaf hin hambifnee?**” Eebbi abbaootaa guutuu ture. Waan hundumaa geggeessummaa maatii fi kakuu abdii dabalatee (lakk. 37) Yaaqoobiif akka ta’u taasifameera, innis akkaataa galagaluu hin dandeenyeen, aka yaada warra Ibratti Yisihaq gogoggoree yoo dubbate illee maqaa YHWH waan dubbatameef galagaluu hin danda’u.

27:37 Esaawuun nama deegaa hin taasifamne” Amma iyyuu inni qabeenya Yisihaq harka sadii keessaa keessaa harki tokko kan isaati, garuu maatii (sanyii) sana bakka bu’ee waamamuu yookaan geggeessuu hin danda’u.

27:38 “**sagalee isaa ol fudhatee ni boo’e**” kun akkaataa itti warri Ibraayisxi gadda ibsanii dha (See. Uuma. 21:16).

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:27:39-40

³⁹Yommus Yisihaq abbaan isaa, “Kunoo, lafti jireenya keetii iddoo coomaa lafa irraa fagaate, ol gubbaadhaas fixeensa waaqa irraattii kan fagaate ni ta’a. ⁴⁰Ati billaa keetiin ni jiraatta; garuu yeroo diddee jalaa sosochootutti waanjoo isaa boquu kee irraa ni buufta” jedheen.

27:39-40 Akkuma jechama raajii, hedduminaan eebba abbootaa miti, See. Uuma. 49 waliin baay’ee wal fakkaata. Ifni bilisummaa xiqqoon kan mul’atu lakk. 40 sararaa 3^{ffaa} fi 4^{ffaa} irratti.

27:40 Kun kan inni ibsu, waa’ee seenaa saba Edom warra Esaawuu irraa maddanii ti (See. Uuma. 36). Seenaa isaanii keessatti hedduminaan hacuuccaa warra Yihudii jala turan (Jechuunis, waanjoo hacuuccaa, BDB 760, See. Lewo. 26:13; 1Moto. 12:4). Ibsaa seenaa kan ta’e, Liwopooldi, yeroo hiiku” Isaan hacuuccaa warra Yihudii jalaa Ba’uu f yaalii ni taasisu tura”. Ta’e iyyuu warren biroon immoo gara dhumaa irratti akka isaan milka’an dubbatu, innis Herodos Edomicha, isa 6ffaa ta’uudhaan, isa bara Yesuus keessa Filiisxiyaa bulchaa ture (Luuter).

▣

NASB; NKJV;

NRSV; LXX	“Cabsuu”
NIV (yadannoo miljalee)	“Tarsaasuu”
NET	“Raasuu/boqonnaa dhabsiisuu”
NJB	“Caccabuu”

Jechichi (BDB 923, KB 1194) jecha darbee-darbee mul’atuu dha. Akka hundee jechichaatti (Fakkeenyaaf, Ermi. 2:31) hiikni isaa birmaddummaadhaan deddeebi’uu dha, hundee *Hiphil* garuu” Hidhaa kutachuu” dha (Kutaa kanaa fi Faar. 55:2 qofa irratti).

Mata duree addaa: Edomii fi Israa’el

- A. Edom saba Galaan Soogiddaa irraa gara Ba’aatti argamuudha, innis obboleessa Yaaqoob Esaawuu irraa kan maddeedha (See. Uuma. 25-28; 32-33). Edom jechuun” Diimaa” jechuu yeroo ta’u, “Esaawuun” immoo” Rifeensa’aa” jechuu dha (See. Uuma. 25:25, 30).
- B. Israa’el Edomiin akka kabaju najajameera (See. Kees. Deeb. 23:7)
- C. Israa’elii fi Edom rakkina addaan hin cinne qabu.
 1. See. Lakk. 20:14-21
 2. Abbo. Fir. . 11:16-17
 3. I Saamu. 14:47-48
 4. II Saam. 8:14
 5. I Moot. 11:14-22
 6. II Moot. 14:22; 16:5-6
 7. II Seenaa Baraa. 20:10-30; 21:8
 8. Amo. 1:6; 9
- D. Raajiwwan kan biro Edomiin ilaalchisuudhaan
 1. Isaa. 34:5; 63:1
 2. Erm. 49:7-22

3. Faaruu Erm. 4:21-22
 4. Hisq. 25:12-14; 35:1-15; 36:2-6
 5. Amo 1:11-12
- E. Obaadia keessatti Eedomitt faradame sababni isaa
1. Oftuulummaa isee lakk. 3-4
 - a. Eegumsa teessuma lafa isheetiif
 - b. Wali galtee siyaasaatii fi human waraanaa tiin
 - c. Daldalaan badhaadhuu
 - d. Oogummaa aadaa tiin
 2. Fira ishee kan taate Yihudaa nagaan dhowwachuu isheetiin lakk. 10-14
 - a. Kufaatii Yeruusaalemitti gammaduu isheetiin (Faaruu erm. 2:15-17; 4:21)
 - b. Gargaaruu diduu isheetiin lakk. 15)
 - c. Dammaqiinsaan diina deggeruu isheetiin (lakk. 14)
 - d. Qabeenya Yihudaa saamuu isheetiin (Erm. 13:19)
 3. YHWH diduu fi mormuu isheetiin (lakk. 16)
- F. Edom tarii saba Waaqayyoo fi saba isaan mormaniif fakkeenya taati, lakk. 15-21 (Faar. 2).
- G. Xumura seenaa raajii kanaa kan ta'uu danda'u
1. Kufaatii Yeruusaalemiin waggaa 5 booda (Dha. Kiristoosiin dura 550-449), baduu edom-akka bara sanaatti Baabiloon.
 2. Edom Peetiraatii Araboota warra Naabatiin bittimmaa'uu ishee Dha. Kiristoosiin dura 550-449 (Miilk. 1:2-5). Edom biyyoota akka diinaatti Nahimiyaan caqase keessa hin jitu, garuu Arabootaan bakka bu'ameera. Edom gara Neegeevitti jejjirameera.
 3. Edom, Dhaloota Kiristoosiin dura bara 312 tti, Uma. erala Aleksaander Antiigonesiin mo'amuu ishee (Dii'odores Seekulesiin kan barreeffamu).
 4. Edom, tilmaamaan Dhaloota Kiristoos dura bara 175tti, Neegeev maqabiyaas Yihudaatiin mo'amuu ishee (1Maqabiyaas 5:3, 15; 2Maqabiyaas 10:15; Josephus' *Antiquities of the Jews* 12:8:1; 13:9:1)
 5. Edom dhaloota Kiristoos dura bara 125tti Yihudii akka ta'uuf, Hayirkeensiin dirqisiifame. Yeroo ammaa kana lidumeenas jedhamee waamama.
 6. Ajajaa waraana Roomaa kan ta'e Tiitoon, dhaloota Kiristoos dura bara 70tti, dhiibbaa warra Edom raawwatee barbadeesseera

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:27:41-45

⁴¹ Esaawuun sababii eebba abbaan isaa ittiin isa eebbiseef jedhee, Yaaqoobitti haaloo qabate; esaawuun garaa isaatti yaadee, “Yeroo itti abbaa kootiif gaaddan dhi'aateera; yommuus ani Yaaqoobiin obboleessa koo nan ajjeesa” jedhee dubbate. ⁴²Dubbiin esaawuu ilma ishee isa angafaa Ribqaatti yommuu himames, Yaaqoob ilma ishee isa quxusuutti ergitee waamsiftee, “Kunoo, obboleessi kee Esaawuun si ajjeesee garaa ciinsachuuf jedha; ⁴³Kanaaf yaa ilma ko, amma waanan sitti himu dhaga'i! Ka'ii, Laabaan obboleessa koo isa Kaaraan jiru biratti baqadhu! ⁴⁴Aariin obboleessa kee inni boba'aan hamma irraa galutti, takka isa bira taa'i. ⁴⁵Qarri dheekkamsa isaa si irraa deebi'ee, waan ati isa goote hamma inni irraanfatuutti, achi turi! Isa booddee ani ergee, achii sin fichisiisaa; kanaa achi ani maalifan guyyaa tokkotti isin lachuu dhaba ree?” jetteen.

27:41 Hikaa inni jalqabaa lakkoobsa kana Ishimaa'eel Yisihaiin ajjeesuu akka waan barbaadeetti hiika. , (Jechuunis, akka du'u yaadeera, kanaafis kan inni eebba abbumaa isaa kenneefis, lakk. 2), kun garuu yaada walii gala barreeffama kanaan ala. Esaawuun nama Yisihaiin jaallatu fakkaata.

27:43 Ribqaan karoora Esaawuu akka dhageesseen, Yaaqoobiin ijaa Ba'uu f akka inni ta'e waan hubatteef, Yaaqoob waa tokko akka inni raawwatuuf ajaje.

1. “dhaga'i” (kallattiidhaan, “akka gootuuf dhaga'i”), BDB 1033, KB 1570, *Qal* IMPERATIVE
2. “Ka'ii,” BDB 877, KB 1086, *Qal* IMPERATIVE

3. Badi (kallattiidhaan, “Deemi”), BDB 137, KB 156, *Qal IMPERATIVE*

Isheeng gara biyya sanyii ishee, Kaaraanitti ergite.

Deemsi isaas kaayyoo lama qaba ture; -

1. Aariin Esaawuu hamma qabbanaa’utti fuula isaa duraa dhoksite (lakk. 44-45)
2. Sanyii ishee keessaa haadha-manaa akka fuudhuuf (lakk. 46), akka Esaawuu warra Kanaa’an keessa miti kan inni fuudhe (See. Uuma. 26:34-35; 27:46).

27: 44-45 As kan jiran gaaleewwan hafaan kan Ribiqaa kan agarsiisuuf yaalaan; Yaaqoob ariitiidhaan gara manaatti akka isee deebisuu yaaduu iseeti. Dhugaan isaa garuu, Yaaqoob waggaa 20 ol kan ta’u bakka sana turuu isaati. Tarii lammataa haadha isaa utuu hin argin hafuu isaati. Inni haasaa hagiboo qabu (ironical) miti. Jechuunis Yaaqom ammam lachan isaanii mirga angafummaas fi dhaala fudhachuun isaatiin lubbuu isaatii fi sodaatee baqachuun isaa fi Eesaawu lamaan isaanii waggaa 20 oliif ittiin gammaduun isaa, ani Ribqaaf nan gadda, nama dolloomaa fi hanqina qaamaa qabuu wajjin turuun ishee, isheen ian isa gowwomsitee fi ilma angaafaa ishee wajjin turuun ishee, innis akka ganame kan lakkaa’uu wajjin turuun ishee.

27:45 “**Guyyaa tokkotti lamaan keessan maaliifan dhaba**” kun kan inni hiikamu danda’u karaa lamaaniidha. (1) Eessaawuun Yaaqoobiin ajjeese sanaan booda firri dhi’oon Eesaawuun gumaa baafata (Uma 9:6) yookiin (2) Yaaqoob ammam mucaa manaa ta’us, nama baay’ee jabaa ture kunis Laabaan bira yeroo ture jabina tiksumma isaa irraa kan ka’e, akka ifatti hubanutti (Uma. 31:38-42), akksuma tarii oboloonni lamaan wal ajjeesuu danda’u.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:27:46

⁴⁶ **Kana booddee Ribqaan Yisihaqiin, “Sababii durboota Heet kanaaf, ani jireenya koo nan jibbe; Yaaqoobis immoo durboota Heet sanyii durboota biyya kanaa keessaa niitii yoo fuudhe, jireenyi maal anaaf godha ree?” jette.**

27:46 Ammas, Ribqaatti bitaacha’uu isaa ni argina. Ishee Esaawuutti hin himtu yoo ta’e illee, Yaaqoobiin erguun ishee sirrii akka hin taane, jireenyis akka itti hadhaa’e kan mul’isu dubba ti (BDB 880 I). Walumaa galatti, sababii isheen dhiyeessitu fudhatama kan qaboodha, sababiin isaas Yisihaq waan kabajuuf (28: 1-2). Esaawuun durboota Kanaa’an lama akka fuudhe kan mirkaneessu luqqqisii qabna (See. Uuma. 26:34, 35, BDB 336, 23:10; mata duree addaa: Jiraattota Filiisxiyaa kan ta’an jalqaba Israa’elootaa ilaali).

Gaaffiiwwan Maree

Kun qajeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasuu malee, ibsa irratti hin laatan.

1. Eenyuu dha namni yaada-garaa qullaa’aa hin ta’iinii fi tooftaa qabu, baqonnaan kun isbuu baraade?
2. See. Uuma. 25:23 boqonnaa kana waliin attamittiin wal sima?
3. Eebbi abbootaa maal ilaalchisee ti?
4. Maaliif Ribqaan mucaan ishee fira akka fuudhu barbaadde?

SEERAA UUMAMAA 28

HIKAA HAARAA KEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA 'E

NASB	NKJV	NRSV	NET	NJB (follows MT)
Yaaqoob Garastti ergame	Yaaqoob Eesaw irraa baqate (27:41-28:5)	Yaaqoob Gara Aaramitti baqachuu isaa fi Abjuu inni Beeteelitti arge (27:46-28:22)	Yishaaq Yaaqoobiin gara Laabaatti Eerge (27:46-28:5)	Yishaaq Yaaqoobiin gara Laabaatti Eerge (27:46-28:5)
28:1-5	28:1-5 (3-4)			Gaa' ila Eesaw isa kan biraa
28:6-9	Eesaaw Mahileetiin Fuudhe	28:6-9	Eesaaw Niitii biraa Fuudhe	28:6-9
Abjuu Yaaqoob	28:6-9		28:6-9	Abjuu Yaaqoob
28:10-17	Wareega Yaaqoob Beeteeliitti	28:10-17	Abjuu Yaaqoob	28:10-19
28:18-22	28:10-17	28:18-22	Beeteelitti	
	28:18-22		28:10-15	28:20-22
			28:16-17	
			28:18-22	

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula vii irraa)

SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulludhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirmaa gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

QOANNAA JECHAA FI GAALLEE

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:28:1-5

¹Yisahaqis Yaaqoobiin waamee, eebbisee, isa abboomee, “Durboota warra Kana’an keessaa hin fuudhiin! ² Ka’i gara biyya Phaadaan Aaram mana Batu’el abbaa haadha keetii dhaqi! Achii immoo intaloota Laabaan obboleessa haadha keetii keessaa tokko fuudhi! ³ Waqaayyo inni hundumaa danda’u si

haa eebbisu, sanyii siif haa kennu, si haa baay'isus! Ati saba guddaa ni taata; ⁴inni eebba Abrahaamiin eebbise siif, si booddees sanyii keetiif haa kennu! Biyyaa ati galaa taatee amma keessa jirtu, isa inni ofii isaatii Abrahaamiif kenne kana, akka ati qabattu haa godhu!" jedhe. ⁵Yisahaqis akkasitti Yaaqoobiin achi erge; Yaaqoobis gara biyya Phaadaan Aaram, mana Laabaan ilma Batu'el nama biyya Aaram dhaqe; Laabaan obboleessa Ribqaa ishee Yaaqoobii fi esaawuu deesse ture.

28:1 “Yisahaqis Yaaqoobiin waamee, eebbisee” Hiikni boqqonnaa kanaa, jal'ina Yaaqoob dhaggeeffachuu Ribqaa fi kaayyoo ishee isa 27:46 irratti raawwatame irratti kan hundaa'ee dha. Kana keessatti wanti gaariin, Yisahaq osoo waliin hidha'in Yaaqoobiin eebbisuu isaa ti. Keessumattuu, inni Waaqyyo wajjin akka waliin morkate, waan hubate fakkaata, Esaawuun eebba sana akka argatu barbaaduu isaatiin. Ta'u iyyuu akka yaada walii gala barreeffama kanaatti, “eebbichi” eebba beekamaa kan hawwa gaarii ti (Fakkeenya, 47:7, 10 fi Ruut 2:4).

▣ “Durboota warra Kana'an keessaa hin fuudhiin!” Kun sirriitti, yeroo hojjetaan isaa Yisahaqiif durba barbaaduuf ka'etti, jecha Abrahaam dubbatee dha (See. Uuma. 24:3-4). Ilmi Batu'el Laabaan nama Yaawee miti yaa ta'e iyyuu (jechuun, Taraafiim, 31:19, 34, 35), Walumaa galatti hubannaan yaada Waaqayyoo maatii sana irra jira

28:2 Yisahaq Yaaqoobiif ajaja hedduu kenneera.

1. “Ka'i” BDB 877, KB 1086, *Qal* IMPERATIVE
2. “dhaqi!” BD 229, KB 246, *Qal* IMPERATIVE
3. “fuudhi!” BDB 542, KB 534, *Qal* IMPERATIVE

▣ “gara biyya Phaadaan Aaram (Lageen lamaan gidduu)” Jechi kun (BDB 804 fi 74) booda irra bulchiinsa Soorayaaf (Empaire) itti dhimma ba'ameera (25:20) akkasumas asitti dubbataamuuf kan yaalame bakka naannoo Kaaran jiruu dha (Jechuunis, magaalaa yookaan Konyaa).

▣ “mana Batu'el abbaa haadha keetii” See. Uuma. 22:20-24; 24:15 ilaali.

28:3 “Waaqayyo inni hundumaa danda'u si haa eebbisu, “ Kun mallattoo kabajaa *El Shaddai* ti (BDB 42 fi 994, 17:1 isa jiru ilaali). Kun mallattoo kabajaa abboonni Waaqayyoof qabanii dha (17:1; 28:3; 35:11; 43:14; 48:3; fi akkasumas 49:25). See. Ba'uu . 6:2-3 irraa akka hunannu, kun maqaa ulfinaa abboonni Waaqayyoof itti gargaaramanii dha. Mata duree addaa: maqaa Waaqummaa 12:1 irra jiru ilaali.

▣ “Waldaa sabaa” Jechi Warra Ibrootaa isaatii kun (*Qahal*)itti fayyadama isa jalqabaa ti. (BDB 874, Keess. Deeb. 5:22; 9:10; 10:4; 23:2-9; 31:30), innis hiikaa isa jalqabaa keessatti Ikileesi'aa (*ekklesia*) isa jedhamutti hiikame. Amntoonni Kakuu Haaraa, tokkummaa saba kakuu waliin qaban ibsachuuf itti fayyadamu. Kunis akkaataa isaan itti ibsan yeroo ta'u, Saba Waaqayyoo warra Kakuu Moofaa walii tokko ta'uu isaaniitu itti dhaga'ama.

28:3-4 Lakkoobsonni kun kan hin raawwatamin hedduu qabu.

1. si haa eebbisu, lakk. 3, BDB 138, KB 159, *Piel* IMPERFECT
2. sanyii siif haa kennu, lakk. BDB 826, KB 963, *Hiphil* IMPERFECT
3. si haa baay'isus!, lakk. 3, BDB 915, KB 1176, *Hiphil* IMPERFECT
4. eebba Abrahaamiin eebbise siif, ... haa kennu!, lakk. 4, BDB 678, KB 733, *Qal* IMPERFECT, cf. 15:7, 8

28:4 “eebba Abrahaamiin” kun gosa abdii Abrahaamiif eebba dhaabbataa ta'eera (lakk. 13; 12:7; 13:15, 17; 15:7, 8; 17:8; 26:3, 4; See. Ba'uu 6:4).

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:28:6-9

⁶Yisahaq amma immoo yaaqoobiin eebbisee, eebba isaa keessattis, “Ati durboota warra Kana'an keessaa niitii hin fuudhin!” jedhee abboome, biyya Phaadaan- Aaram dhaqee achii akka fuudhuuf isa erge; Esaawuunis kana yaadaan ni qabe; ⁷Akkasumas Yaaqoob abbaa isaatii fi haadha isaatiif abboomamee, Phaadaan Aaram dhaquu isaa ni hubate; ⁸Durboonni warra Kana'aan Yisahaq abbaa isaa duratti akka hin jaallataminis ni arge. ⁹Kana booddees Esaawuun gara Ishmaa'el ilma Abrahaam dhaqee, intala isaa ishee” Mahilaat” jedhamtu obboleetti Nabaayoot, dubartoota dur qabu irratti dabalee ni fuudhe.

28:6 “Esaawuunis” lakk. 6-9 waa’ee amala Esaawuu qaniyyee biraa arganna. Inni amma iyyuu itti gaafatamummaa hin barbaadu, garuu eebba isaa ni barbaada. Akkasumas immoo nama yaada biyyaa lafaa (foonii) qabu ni fakkaata. Inni isa duras durba warra Kana’aan keessaa niitota fuudhee qaba (See. Uuma. 26:34-35; 27:46; 28:8; 36:2), ammas immoo, abbaa isaa gammachiisuudhaaf, intala Ishma’el fuudhuuf jedha. Intalattiin lakk. 9 irratti maqaa” Mahilaat” jedhamuun beekanti, See. Uuma. 36:3 irratti garuu” Basmaat” jedhamtee waamanti. Amma iyyuu taanaan Yisihaq irraa eebba argachuudhaaf yaalaa jira.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:28:10-17

¹⁰Yommus Yaaqoob Bersheebaadhaa ba’ee gara Kaaraanitti adeeme. ¹¹Iddoo tokko ga’ee aduun ilxnaan achi bule; dhagoota iddoo sana jiran keessaa tokko fuudhee, mataa isaa jala ka’aatee idoodhuma sana ciise. ¹²Inni achitti abjuu abjootee, yaabbannoo hundeen isaa lafa dhaabbate, fiixeen isaa bantii waaqaa bira ga’u tokko ni arge; kunoo, ergamoonni Waaqayyoo isa irra ol ni ba’u, gadis ni bu’u turan. ¹³Waaqayyo immoo isa gararraa dhaabbate, “Ani Waaqayyo gooftaa isa kan Abrahaam abbaa keetii, Waaqayyo isa kan Yisihaq lafa ati irra ciiftu kanas siif, sanyii keetiifis nan kenna; ¹⁴sanyiin kees akka biyyoo lafaa ni ta’a; qomoon biyya lafaa irraas hundinuu sababii keetiif, sababii sanyii keetiifis ni eebbifamu. ¹⁵Kunoo, ani si wajjinan jira, iddoo ati dhaqxu hundumaattis sin eega; biyya kanatti sin deebisa, waan ani sitti dubbadhe siifan raawwadha malee, si hin gatu!” jedhe. ¹⁶Achumaanis Yaaqoob hirribaa dammaqee, “Waaqayyo dhuguma iddoo kana jira! Ani garuu kana hin beekne” jedhe. ¹⁷Innis sodaatee” iddoon kun attam sodaachissdha! Mana Waaqayyoo malee, homtuu as hin jiru, kun balbala bantii waaqaa ti!” jedhe.

28:10 “Yommus Yaaqoob Bersheebaadhaa ba’ee gara Kaaraanitti adeeme” Hose. 12:12 kan jedhu obboleessa isaa duraa baqachuu isaa ti (See. Uuma. 27:41-45).

28:11

NASB, NKJV,

NRSV,

LXX

“Iddoo tokkos ga’ee”

NET

“Gara iddoo qulqulla’aa”

NREB

“Gara iddoo qulqulla’aa tokko”

Iddoo ta’eef, kun gaalee hin baramin fakkaatayyuu dha (kallattiidhaan, “Iddoo” BDB 879) . Innis biyya tulluun itti baay’atu, biyya Efreem keessa bakka tokko bakka magaalaa Lozaatti dhiyoo dha. Bakki kun Abrahaam waliin walitti dhufeenya addaa qaba (See. Uuma. . 12:8, 13:3-4).

28:12 “yaabbannoo hundeen isaa lafa dhaabbate, fiixeen isaa bantii waaqaa bira ga’u” Jechi yaabbannoo jedhu (Kakuu Moofaa keessa as qofatti argama) innis” Wanta tokko wal irra naquudhaan/tuuluudhaan lo dheeressuu” dha (BDB 700, KB 757). Iddoon sun dhagaa diddiriiraadhaan beekama. Akka bifa ammayaatti yaabbannoo irra caalaatti tarii, dhagoota guguddaa kanaan kan hojjetame, darajaa miidhagaa fakkaata. Yesuusis yaabbannoo kana waa’ee ofii isaa ibsuudhaaf Yohaannis 1:51 keessatti itti fayyadameera.

■ “ergamoonni Waaqayyoo isa irra ol ni ba’u, gadis ni bu’u turan” Tartiibni isaa asitti waan galagale fakkata, garuu akkaataa adda ta’eenii dha, innis Waaqni kakuu inni kan Abrahaam, jalqabaa eegalee Yaaqoob waliin akka jiru kan argisiisu, akkasumas ergamootni isaa jireenya isaa guyya-guyyaa geggeessaa turan.

28:13

NASB, NKJV,

NIV TEV

“Waaqayyo immoo isa gararraa dhaabbatee ture”

NRSV, NET,

“Waaqayyos cina isaa dhaabbatee ture”

JPSOA NRSV

NNJB, NASB

(kan cinaa)

“Waaqayyos cinaan dhaabbatee ture”

NIV

“Isa gararraadhaanis Waaqayyo dhaabbatee ture”

LXX

“Waaqaos isa irraan dhaabbatee ture”

Gochim isaa (BDB 662, KB 714, *Niphal* PARTICIPLE) hiikaan isaa” Dhaabbachuu” dha. Maq-ibsi dabalataan gale dirqamatti ifatti kan addaan ba’e ta’uu qaba. Asitti lu hiikni isaa” Cinaan” yookaan” Gararraa dhaan” Kunis fakeenya kakuu haareessuu isa kan biraadha, isa yeroo jalqabaaf Yaaqoobiif ifa ta’ee dha. Gaaleen isaa, “Ani Waaqayyo isa kan abbaa keetii ti” maqaa kabajaa kan abbummaa ti, 26:24, 28:13; 31:5, 29, 42, 53, See. Ba’uu . 3:6, 15).

▣ **“lafa ati irra ciiftu kanas siif, sanyii keetiifis nan kenna;** “Kun jalqaba kan dubbatame Abrahaamitti (See. Uuma. 12:7; 13:15, 17; 15:7, 8; 17:8), boodas Yishaqitti (See. Uuma. 26:3), amma immoo Yaaqoobi ti.

28:14 “sanyiin kees akka biyyoo lafaa ni ta’a; “Yaaween abbootaaf abdi dhaloota lakkoobsaa hedduu ta’ee kenneefii jira (12:2; 13:16; 15:5; 16:10; 17:2, 4-5). Abdiin waa’ee sanyiitiif kenname kun akkaataa raawwatamuun yeroo ta’u, garuu sanyii baay’ee-baay’ee dhaan. Nuti warri Kiristiyaanota taane kana kan nuti arginu Gal. 3:14 fi Room. 2:28-29; 8:15-17 keessattii dha! Dhugaa See. Uuma. 3:15 ti.

▣ **“qomoon biyya lafaa irraas hundinuu sababii keetiif, sababii sanyii keetiifis ni eebbifamu.** “Kun dhugaa isa guddaa dha, kunis kaayyoon waamamuu Abrahaam biyyi lafaa hundinuu akka ooluuuf (H. H. Rowley, *The Missionary Message of the Old Testament ilaali*). Kun akka Warra Ibrootaatti gochima bifa addaa *Niphal* ti, “Ni eebbifamu” jedhamee hikamuutu irra jira. Kunumti bifa wal fakkaataadhaan 12:3; 18:18; Ho. Erg. 3:25; Gal. 3:8 irratti ni mul’ata. Bifni *Hithpael* kan mul’atu See. Uuma. 26:4 fi 22:16-18 irratti yeroo ta’u hiikamuu kan qabs” Ofii isaanii eebbisu” isa jedhuttii dha. Daandiiwwan kana lamaan eebba tokko irratti kan mul’atan. Waaqayyo eebba isaa saba isaa keessatti ni argisiisa, kunis warren biroon akka arganii fi akka barbaadaniif. Ta’ee iyyuu, inni kan argamuu danda’u karaa walitti dhufeenya Waaqayyo isa kan abbootaatiin qofa (Jechuunis Yaawee).

28:15 “ani si wajjinan jira”“Isa jiruu fi kan jiraatu” Waaqayyo ofii isaatii Yaaqoob waliin jira. Kun ebba hunda irra kan caaluu dha (See. Uuma. 26:3).

▣ **“si hin gatu”** Yaaween kan kakuu gale saba kakuu isaatii raawwatee akka hin dhiifnee dha (fakkeena, Kee. Deeb. 31:6, 8; Iyaa. 1:5; Ibro. 13:5).

▣ **“waan ani sitti dubbadhe hamman siif raawwadhutti”** Abdiin Yaawee dhugaa akka ta’e hubadhu, Kees. Deeb 7:9 fi Isyaa. 55:11 ilaali.

28:16

**NASB, NKJV,
NRSV, NREB
NET
JPSOA**

“Waaqayyo dhuguma iddoo kana jira”

“Waaqayyo addana”

“Dhugaamatti Waaqayyo iddoo kana jira”

Dabalgoochimni “Sirriitt” “Dhugaatti” jedhaman dabal-gochimni kun (BDB 38, See. Ba’uu . 2:14; I Saam. 15:32; Isay. 40:7; 45:15; Erm. 3:23 [Yeroo lama]; 4:10) jabaataa ta’uu isaa ibsa.

▣ **“Ani garuu kana hin beekne”** Yaaqoob akka waan iddoo qulqullaa’aa salphiseetti of fudhachuun isaa ifaadha, wann addaa sababii itti hin fakkaaneef, innii qulqulluu akka ta’e hin beekne. Kun akka kiyiyatti, iddoo sun iddoo qulqullaa’aa warra Kana’aanotaati isa jedhu yaada yaada hiiktota Macaafaa muraasatiin kan mormuu dha.

28:17 “Innis sodaatee” ilaalchi Yaaqoob abjuu kana irratti akka” Sodaatti” kan mul’atee dha (BDB 431, KB 432, *Niphal* PARTICIPLE). Namoonni yeroo bakka Waaqayyo argamutti argaman (Jechuunis, Ergamoota) sodaadhaan guutamu. Isa sagaleen Waaqayyoo uxxii boba’u keessaan Museetti (See Ba’uu 3:5) yookaan gaara Siinaa irratti saba Israa’elitti mul’achuu isaa (See. Ba’uu) yaadadhu.

▣ **“iddoon kun attam sodaachissdha! Mana Waaqayyoo malee, homtuu as hin jiru, kun balbala bantii waaqaa ti!”** Beektonni tokk tokko gaalee isa” balbala bantii waaqaa” (BDB 1044 CONSTRUCT 1029 ijaarsa) fi” yaabbannoo” inni jedhu kun fedhii yaada garaa amantii warra Baabiloon hedduu ta’ee jira. Kun warra Baabilooni biratti seenaa dhufaa-darbaan kan beekamu fakkeenyaaf (Ziggurats) yoo ta’e iyyuu, yaadni Yaaqoob sana irraa madde jechuu miti.

Yaada kanaadha; namnii fi Waaqayyo kan itti wal argan. Yaadni inni biraan isa (yeroo ergamootni Waaqayyoo irra ol ba’anii fi gad bu’an) jedhuu yeroo ta’u kun immoo isa inni dhimma namootaa guyya-guyyaa keessumatti immoo saba kakuu isaa keessatti hirmaatuu dha.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:28:18-22

¹⁸Yaaqoob ganama obboroodhaan ka'ee, dhagicha mataa isaa jala ka'atee ture sana fuuudhee, utubaa seenaa godhee ol qajeelchee dhaabe, dhadhaa ejersaa isa irratti dhangalaasee ni dibe. ¹⁹Yaaqoobis maqaa iddoo sanaa "Bet'el" jedhee moggaase; duraan garuu maqaan mandara sanaa "Luz" jedhama ture; ("Bet'el" jechuun" mana Waaqayyoo" jechuu dha) ²⁰Yaaqoob wareega wareege, "Waaqayyo anaa wajjin ta'ee, karaa ani irra adeemu kana irratti ana yoo eege, buddeena ani nyaadhu, uffata ani uffadhus yoo anaaf kenne, ²¹nagaattis mana abbaa kootti yoon deebi'e, Waaqayyo inni kun, anaaf Waaqayyo, gooftaas ni ta'a; ²²dhagaan inni ani utubaa seenaa godhee dhaabe kunis, iddoo mana Waaqayyoo ni ta'a; yaa Waaqayyo, wanta ati anaaf kennitu hundumaa keessaas kudhan keessaa tokko siifan baasa" jedhe.

28:18 "utubaa seenaa godhee ol qajeelchee dhaabe, dhadhaa ejersaa isa irratti dhangalaasee ni dibe" utubaa dhagaa kun afaan Warra Ibrootaatti (*massebah*) jedhama (BDB 663); idoo itti Yaaqoob Waaqayyoo wajjin wal argeef, yaadannoo (35:14) dha. Gara boodaa irrattis utubaa waaqayyolii tolfamoo waliin tokko ta'ee ture, garuu seera Museetiin akka ka'u ta'eera (Fakkeenyaaf, See. Ba'uu 23:24; 34:13; See. Kees. Deeb. 16:22).

28:19 "Yaaqoobis maqaa iddoo sanaa 'Bet'el' jedhee moggaase" Jechi Warra Ibrootaa" Bet" jedhu kun" Mana" jechuudha (BDB 108), El inni jedhu immoo biyya gara Ba'a dhi'oo ishee durii keessatti" maqaa walii gala" Waaqayyo ittiin waamamuu dha (BDB 14). Innis warra Kana'aanotaatiin" Looza" jedhamee kan beekamu yeroo ta'u, hiikaan isaas" Muka la'uzii" jechuu dha (BDB 531 II, 35: 6, 48; 3), garuu kana booda Yihudoonni iddoo sana Bet'el jedhaniiru (jebuunis, mana Waaqayyoo).

28:20-22 "yoo ta'ee" Kun Yaaqoob bira hir'inni amantii waan jiru fakkaata, garuu kun kan ta'u, Yaaqoob isa Waaqayyo isa adachiise jecha adda ta'een kaa'uu barbaadee ti. Innis akka Giriikiitti hima haala irrattii hundaa'ee nam-tokkeedhaan dhiyaate ta'ee, innis kan inni jedhu inni Waaqayyo jedhe dhugaadha; kan ibsuu barbaades akkaataa ubachuu fi qabamuu danda'uttii dha. Asitti gaalee wal-fakkaataa kana irraa kan ka'e, ani yaada Yaaqoobiin mormuu hin barbaadu.

Haala isaa ubadhu:-

1. Yoo Waaqayyo isa waliin ta'e
2. Yoo Waaqayyo isa eege/ilaale (BDB 1036, KB 1581)
3. Yoo Waaqayyo buddeena isaaf kenne
4. Yoo Waaqayyo uffata isaatti uffise
5. Yoo nagaadhaan gara mana abbaa isaatti deebi'e

Bakkeen Yaaqoob abdachiifame ilaali.

1. Innis iddoo itti abjuu abjootetti Waaqayyoo mana dhagaadhaan ijaara
2. Kudhan keessaa tokko ni baasa ("Kudhan keessaa tokko siifan kenna" raawwatamee kan hin murtaa'inii fi gochima hin raawwatamin, idda wal fakkaataa irraa [BDB 797, KB 894] jabaataa ta'uu argisiisa).

Kadhatni Yaaqoob badhaadhummaaf hin turre, garuu jiraachuudhaaf, akkasumas Waaqayyoo karaa isaa irraatti akka isa waliin ta'uu fi isa eeguu dha.

28:22 "kudhan keessaa tokko siifan baasa" Kurnoon, dhagna- qabaanii fi aarsaan, seera Musee dursee kan turee dha. Yaada waa'ee kurnoo kana seerri Museetti kennamuun dura, See. Uuma. 14: 20 fi kutaa kana 28:22 irratti argatna, Innis fakkeenyummaan isaa fakeenya Waaqayyof ta'uu qabu ta'ee, wanti nuti qabnu hundi kan Waaqayyoo ta'uu isaa ti.

Iddoo itti Yaaqoob Yaawee arge sana, Lubni yookaan dhaabbatni amantii tokko waan hin turniif, kurnoo sana eenyutti akka kenne nama dhibuu ni danda'a. Tarii aarsaa gubatu ta'uu ni danda'a!

Gaaffiiwwan Maree

Kun qajeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa eebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan.

1. Yisihq Yaaqoob dhaaltuu kakuu isa dhugaa akka ta'e yaada isaa jijjiireera?
2. Maqaa attamitiin ture abboonni kan isaan Waaqayyoon beekan?
3. Yaabbannoon bantii waaqaa bira ga'u sun Yaaqoobiif hiika maalii qabaaf, booda irrattis Yesuusiif?
4. Utubaan dhagaa sun maal ture? Mallifis jibbame?
5. Lakk. 22 irratti waa'ee kurnoo maal jedha?

SEERA UUMAMAA 29

HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA 'E

NASB	NKJV	NRSV	NET	NJB (follows MT)
Yaaqoob Raaheeliin argaate	Yaaqoob Raaheeliin argaate	Yaaqoob Kaaraanitti milkaaweeff	Yaaqoob mana Laabaan ga'e	Yaaqoob mana Laabaan ga'e
29:1-3	29:1-3	(29:1-31:55)	29 :1-3	29:1-8
29:4-8	29:4-8	29:1-3 29:4-8	29:4a 29:4b 29:5a 29:5b 29:6a 29:6b 29:7 29:8	
29:9-12	29:9-12	29:9-12	29:9-12a	29:9-14a
29:13-14	29:13-14		29:12b-14	
	Yaaqoob Liyaa fi Raaheeliin fuudhe	29:13-14	Yaaqoob Raaheeliin fi Liyaadhaa jedhee Laabaaf hojjete	Gaa'ila Yaaqoob lama 29:14b-19
29:15-20	29:15-20 29:21-30	29:15-20	29:15-17 29:18	
Gowwomsa Laabaan	Ilmaan Yaaqoob		29:19-20	
29:21-30	(29:31-30:24)	29:21-30	29:21-25 29:26-27	29:20-30
	29:31-30:8		29:28-30	
29:31-35		29:31-30:8	Yaaqoobiif Ijoolleen dhalataniif (29:31-30:24)	Ilmaan Yaaqoob (29:31-30:24)
			29:31-35	29:31-30:8

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula vii irraa)

SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

QO'ANNA JECHAA FI GAALEE

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:29: 1-3

¹Yaaqoob karaa isaa itti fufee, gara biyya warra ba'a biiftuu ga'e; ²achitti bakkee keessatti boolla bishaanii tokko arge; bushaayeen bishaan boolla sana keessaa budduqfamu waan dhuganiif, kunoo, karri sadii qarqara boollichaa ni ciciisu turan; dhagaan guddaan tokkos afaan boollichaa irra ture. ³Yeroo karri hundinuu achitti dacha'an, tiksooni dhagicha afaan boollichaa irraa garagalchini bushaayee ni obaasu, booddees dhagicha iddoo isaatti debisanii afaan boollichaa irra ni kaa'u turan.

29:1 “Yaaqoob karaa isaa itti fufee, “ gaaleen kun kallattiidhaan yeroo hiikamu “miilla fuuhde” jechuu dha (BDB 669 fi 919). Kakuu Moofaa keessaa jechama kutaa kana qophaa keessatti argina. Innis Yaaqoob Bet'elitti Waaqayyo waliin erga wal argeen boodaa, kaayyoo fi gammachuu isatti dhaga'ame agarsiisuu kan yaaluu dha.

■ “Gara biyya warra Bahaa deeme” Abbo. 6:3 fi 33 kun gosa Arabaa kan argisiisuu dha (Iyyo. 1:3; Isa. 11:14; Hisq. 25:4, 10). Ta'e iyyuu, asitti kan ibsamaa jiru jiraattota warra Kaaraanii ti (Erm. 49:28). Innis lafa Yaaqoob itti arge, Bet'eelii fi Kaaraan gidduu, biyya gosa Araboota warra Kaabaa ti.

29:2 “achitti bakkee keessatti boolla bishaanii tokko arge” deemsii isaa gabbaabbateera, lakk. 2 irratti Yaaqoob Kaaraanitti dhiyaatee of arge, garuu kallattiidhaan bakkai isaa hin beekamu. Boollonni bishaanichaa bakka loon biyyichaa itti walitti yaa'anii dha. Waltiti dhufeenya carra-qabeessa kanaan aegamuun Waaqayyoo ifaa dha. Kaaraan yaada walii gala boqonnaa 29-31 ti.

■ “dhagaan guddaan tokkos afaan boollichaa irra ture” kun aadaa sana keessaatti kan baramee dha, kanaaf inni (1) urka ittisuudhaaf (2)qulqullinni bishaanichaa akka eegamu, (3) eegumsaaf jecha (sirriitti itti fayyadamuudhaaf).

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:29:4-8

⁴Yaaqoob tiksoota sanaan, “Obbuloota ko, isin warra eessaa ti?” jedhe; isaan immoo, “Nuyi warra Kaaraan” jedhan. ⁵Inni itti dabaee, “Laabaan ilma Naahor beektuu?” jedhe; isaan immoo, “Nuyi isa ni hin beekna” jedhaniin. ⁶Innis, “Qe'een isaa nagaa dhaa?” jedhe; isaanis, “Nagaadhaa, kunoo, Raa'el intalli isaa iyyuu, bushayee fiddee dhufuutti jirti” jedhaniin. ⁷Innis, “Kunoo, amma iyyuu guyyaadha, yeroo itti horiin walitti qabamanis miti; bushaayee bishaan obaasaattii dhaqaa dheechisaa!” jedhe. ⁸Isaan immoo, “Hamma karri hundinuu walitti qabamanii, dhagichis afaan boollichaa irraa gargalfamutti, nuyi kana gochuu hin dandeenyu; isa booddee bushaayee bishaan ni obaafna” jedhan.

29:4 “**Obbolootaa ko**” itti fayyadamni jecha kanaa (BDB 26) nagaadhaaf, firoomaa dhiigaa tokko osoo hin argisiisin. Akkaataa naga wal gaafatnaa kana, har’a iyyuu kiristiyaanota gidduutti, Amerikaa Kibaatti (USA) itti dhimma ba’amaa jira.

Obboleessa isa jedhuun osoo hin taane, lakk. 12 fi 15 irratti jecha wal fakkaataadhaan namoota firooma qaban gidduutti itti dhima ba’ameera. Wal beekumsi maatii kun” Lafee koo fi foon koo” jedhamee waamama lakk. 14 (See. Uuma. 2:23).

29:5 “**Laabaan ilma Naahor beektuu?**” “Ilma” jecha jedhuuf (BDB 119) fakkeenya gaariitu jira, innis akka Warra Ibrootaatti” Abba” yookiin” Akaakayyuu” isa jedhu kan argisiisuu dha. Batu’el abbaa Laabaa ti, Naahor immoo akaakayyuu isaa ti (See. Uuma. 24:24, 29).

29:6 “**Qe’een isaa naga dhaa?** . “**Nagaadhaa,** “kun jecha Shaalom jedhuu dha (BDB 1022). Yaada addaa 15:15 ilaali.

❑ “**Raa’el intalli isaa iyyuu, bushayee fiddee dhufuutti jirti**” jireenya hojjetoota Waaqayyoo keessatti akka tasaa wanti jedhamu tokko iyyuu hin jiru (24:15; Ba’uu . 2:16, *The Christian’s Secret of a Happy Life* by Hannah Whithall Smith ilaali). Asitti kan ati argitu harka Waaqayyootu jira, akkuma Yoosefiif See. Uuma. 37:15-17 tti ta’e (Akkasumas Macaafa Asteer keessatti maqaan Waaqayyoo tasumaa hin waamamne, garuu geggeessaanii fi jiraachuun isaa ifaa ture).

29:7 “**Kunoo, amma iyyuu guyyaadha,** “ Yaaqoob tiksee gaarii waan tureef, maal gochuu akka qabu ni beeka (Beekumsi isaa kunis Laabaa ni booji’a). Kunis jabina isaa Raahelitti argisiisuudhaaf isa gargaareera (lakk. 10)! Mul’innatti inni hojjeteera! Yeroo jalqabaaf, keessummaa kanaan dhungatamtu, Raahel na’uu isheetu anatti mul’ata (lakk. 11), erga eenyummaa isaa itti himee garuu gammachuu guddaatu ta’e. Horqinfatee boo’uun Yaaqoob aadaa warra Bahaa kan argisiisuu dha, innis michoota isaanii warra ba’aa caalaatti, miira isaani kan argisiisuu dha (lakk. 13).

Yaaqoob jechama xiyyeeffattuudhaan IMPERATIVES ture tikee warren birootti kan inni dubbate, isanis akka gaaffilee dhiibbaa uumuuf fayyadaniitti gargaaru.

1. Bishaan, BDB 1052, KB 1639, *Hiphil* IMPERATIVE
2. Deemi, BDB 229, KB 246, kan xiyyeeffattuu *Qal* IMPERATIVE
3. Bakka tikaa, BDB 944, KB 1258, *Qal* IMPERATIVE

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:29:9-12

⁹Utuu inni isaan wajjin haasa’aa jirus, Raa’eel iksituu waan turteef, bushaayee abbaa isheetii fiddee dhufte, ¹⁰Yaaqoobis Raa’el intala Laabaan obboleessa haadha-manaa isaatii, bushaayee Laabaanis yommuu argee, itti dhiyaatee dhagicha afaan boollichaa irraa garagalchee, bushaayee eessuma isaatii sana bishaan obaase; ¹¹Yaaqoob yommuu Raa’eeiin dhudhungatee, gammachuu irraan kan ka’es ni boo’e. ¹²Yaaqoob aantii abbaa ishee ilma Ribqaas akka ta’e Raa’elitti ni hime; isheenis fiigdee dhaqxee abbaa isheetti ni himte.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:29:13-14

¹³Laabaan oduu Yaaqoob ilma obboleettii isaatii yommuu dhaga’ee, isa simuudhaaf gara isaattii fiigee, morma isaatti marmee dhudhungate; gara mana isaattis isa ni geese; Yaaqoobis wanta ta’e hundumaa itti ni hime. ¹⁴Laabaan immoo, “Ati dhuguma foon kooti, dhiiga kootis!” ittiin jedhe; Yaaqoobis ji’a tokkoof akkasumatti isa bira ture.

29:13 “**Laabaan oduu Yaaqoob ilma obboleettii isaatii yommuu dhaga’ee, isa simuudhaaf gara isaattii fiigee,** “Warri Raabii akka jedhanitti, sababii inni fiigeeff, Yaaqoob akka Elii’ezaar kennaa fidee dhufeera jedheeti jedhu (Uuma. 24:10). Ta’u iyyuu ani yaada keessa isaa ilaachisuudhaan soba yookaan dhugaadha jechuu hib barbaadu. Laabaan Yaaqoob irratti dhiibbaa geggeessuuf Ba’uu n isaa beekamaa dha, garuu kun Yaaqoobiin ga’aa taasisuudhaaf, kaayyoo Waaqayyoo ti.

29:14 “**ji’a tokkoo**” jechichi (BDB 294) jecha” Ji’a” (Moon), (BDB 294) jedhu waliil kan walitti dhiyaatuu dha. Warri Ibra ji’atti gargaaramuudhaan guyyaa lakkaa’u, gaalewwan mallattoon ji’aa itti godhame (Jechuunis, ji’a (Moon) haaraa, ji’a biraa).

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:29:15-20

¹⁵Laabaan kana booddee Yaaqoobiin, “ati sababii aantii koo taateef tola anaaf hojjettaa ree? Gatiin dadhabii kee maal ta’uutu irra jira? anatti himi!” jedhe. ¹⁶Laabaan durboota lama qaba ture; maqaan ishee guddoo Liyyaa, maqaan ishee xinnoo immoo Raa’el ture. ¹⁷Liyyaan nama ija lasii turte; Raa’el garuu dhaabbii tolti, ija namaattis ni miidhagdi ture. ¹⁸Yaaqoob waan Raa’eliin jaallateef, Laabaaniin, “Raa’el intala kee ishee quxusuuf, ani waggaa orba siif nan hojjedha” jedhe. ¹⁹Laabaan deebisee, “Ani nama biraatiif kennuu koo irra, ishee siif kennuu wayya; kanaaf ana bira turi!” jedheen. ²⁰Yaaqoob akkasitti Raa’eliif jedhee, waggaa torba ni hojjete; inni waan ishee jaallateef, waggoonni kun guyyoota muraasa isatti fakkaatan.

29:15 Kun ibsuudhaaf rakkisaadhaa, garuu Yaaqoob ijaisaa Raahel irra akka ka’ate Laabaan waan hubate fakkaaata; kanaaf karaa dhoksaadhaan kan inni jechuu barbaade, Yaaqoob waan ittiin kaadhimatu hanga hin qabnetti, isa tajaajiluu akka qabuu dha. Akkasumas tikummaa isaatii hubateera.

29:16 Hundeen jechaa maqaa” Liyaa” (BDB 521, KB 513) kan wal rukutauu dha (1) hundee jechaa Akaadiyaan irra, “Loon”; (2) hundee jechaa warra Arabaa irraa” Loon bosonaa”; yookiin (3)” kan dadhabe” (gochima, KB 512). Akka lakk. 17 irra jirutti isheen akka Raahel naato-qabeettii miti.

■ “Raheh” hiikni maqaa isheetii”Hoolaa dhaltuu” jechuu dha (BDB 932, KB 1216). Namootni warri tikfatteen maqaa horiidhaan akka moggaasan ifaa dha.

29:17

NASB,

JPSOA NIV,

LXX

“Iji ishee dadhabee ture”

NKJV

“Iji ishee salphaatti kan miidhamuu danda’an turan”

NRSV

“Agartuun ishee ni miidhagu”

NET; NJB

“Agartuu mimmiidhagoo”

NREB

“Ija kalaamsuu”

TEV

“Agartuu nama hawwatan”

Hiikni maq-ibsa ADJECTIVE isaatii (BDB 940, KB 1230)

1. Madda kan Warra Ibrootaa irraa— lallaafaa, toleessa, qalloo
2. Maddi inni kan Arabaa— Dadhabaa, qalloo, garraamii

Hiikni inni Ingliffaa hedduun isaa, akka yaada walii gala barreeffama kanaatti isa kan Arabiffaa fudhatu, sababiin isaas madda maqaa ishee irraa ka’anii ti. Tarii lakkoobsi kun ijoollee lachuu iyyuu kan jaju ta’uu ni danda’a.

■ “**Isheen naato qabeettii turte, fuulli ishees miidhagaa ture**” Addeessichi (BDB 421) yeroo lama itti dhimma ba’ameera akkaataa hundeessuuttii CONSTRUCTS.

1. BDB 421 fi 1061 dhaabbiidhaan miidhagduu, naato-qabeettii ta’uu ishee argisiisu.
2. BDB 421 fi 909 fuula keessa miidhagduu, naato-qabeettii ta’uu ishee argisiisu.

Dubartootni abboota durii hundi miidhagoo fi naato-qabeeyyii (Garuu maseena) turan.

29:18 “**Yaaqoob waan Raa’eliin jaallateef, Laabaaniin, Raa’el intala kee ishee quxusuuf, ani waggaa orba siif nan hojjedha**” kun Laabaan kan gaafachuu hin dandeenyeen olitti kennaa arjooma guddaa qabuu dha. Inni garuu baay’ee gammadee fayidaa isaa hunda duraa fudhate. Jaalalli dhugaan lamaan isaanii gidduu jiru lakk. 19-20 irratti argamuu ni danda’a.

29:19 “ana bira turi!” kun abboommii dha (BDB 442, KB 444, xiyyeeffattuu), akka yaada barreeffamichaatti garuu, akka gatii kaadhimachuuf ta’uutti, waggaa torbaaf isaaf hojjechuuf yaada Laabaatti waliif galuun isaa akkaataa dhokataa ta’een ture.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa: 29:21-30

²¹Yaaqoob kana booddees Laabaaniin, “Egaan yeroon dhaaba koo waan rawwatameef, ani ishee bira akkan ga’uuf kaadhimaa koo anaaf kenni!” jedhe. ²²Kana irratti Laabaan namoota iddoo sanaa hundumaa walitti qabee cidha ni godhe. ²³Galgala garuu intala isaa Liyyaa fuudhee Yaaqoobitti ni geese; innis ishee bira ni dhaqe. ²⁴Laabaan xomboree isaa Zilfaa, xomboree akka taatuufitti intala isaa Liyaadhaaf ni kenne. ²⁵Yeroo bar’es kunoo, isheen Liyyaa ta’uun ishee ni barame; Yaaqoob yommus Laabaaniin, “Wanti ati ana irratti hojjette kun maalii? Ani Raa’eliif jedhee siif hn hojjetnee? Yoos ati maalif haxxummaa ana irratti hojjette ree?” jedhe. ²⁶Laabaan immoo deebisee, “Biyya keenyatti ishee angafa dura ishee quxusuu hin kennan; ²⁷ishee kaanaaf torban misirrummaa raawwadhu, yommus ishee kaanis siif ni kenninaa; ati garuu deebitee waggaa torba anaaf ni hojjetta!” jedhe. ²⁸Yaaqoobis akka inni jedhe ni godhe; turban misirrummaa ishees ni raawwate; Laabaan immoo yeroo sanatti intala isaa Raa’eliin isatti ni heerumsiise. ²⁹Laabaan xomboree isaa Bilahaa, intala isaa Raa’eliif xomboree akka taatuuf ni kenneef. ³⁰Yaaqoob, Raa’el biras ni dhaqe; inni Liyyaa caalaatti Raa’eliin ni jaallate; kana booddees waggaa torba dabalee Laabaaniif ni hojjete.

29:21 “Egaan yeroon dhaaba koo waan rawwatameef, ani ishee bira akkan ga’uuf kaadhimaa koo anaaf kenni!” dhugaamatti yoo ta’e, waggoota torbaan booda iyyuu, intala isaa Yaaqoobiif kennuudhaaf Laabaan dhimmamaa hin turre. Kun hundi fedhii Laabaan hacuuccaaf qabu argisiisa. Inni kan ilaalu fayidaa maatii isaatii kan ammaa qofa ture.

29:23 “innis ishee bira ni dhaqe” maaliif Yaaqoob yeroo ammasii keessatti, akka isheen Liyaa taate baruu akka dadhabe, mare hedduun irratti geggeeffamee jira. Ilaalchi tokko-tokko, (1) dukana ture (jechuunis, lakk. 23, “galaga”); (2) Fuula ishee aguggattee jirti (24:65); (3) Machaa’ee ture (“Hafeeraa” jechi jedhu[BDB 1059] lakk. 22 irraa” dhuguu” isa jedhu irraa [BDB 1059], hafeerraa guddaa argisiisa)! Anatti akka fakkaatutti lakk. 3 yaada hawwaasummaa waliin baay’ee waliif gala.

29:24 “Laabaan xomboree isaa Zilfaa, xomboree akka taatuufitti intala isaa Liyaadhaaf ni kenne” Barreeffama Gabatee warra Kuunuz irraa akka hubatnutti, aadaan warra Huuriyaas yerooma wal fakkaataatti ture (Dh. K. dura bar-kumee 2^a), kunis aadaa beekamaa ture. Tarii intalattiin dhala godhachuu kan hin dandeenye yoo ta’eef, hojjetuun ishee qooda ishee mucaa akka godhatuuf (lakk. 28-29, 30:3). Yaadni seenessaa barreeffama kanaa inni lakk. 22 fi 29 irra jiru boqonnaa 30f kan nu qopheessuu dha.

29:25 “kunoo, isheen Liyyaa ta’uun ishee ni barame” gochi akkasii amala Laabaa irraa kan eegamu yoo ta’e iyyuu, Liyaan yookiin Raahel gocha kana irratti waa dubbachuu dhiisuun isaanii nama dinqa. Waa’ee bara sanaa garuu murtoo kennuun kan danda’amu aadaama bara sanaan ta’uu qaba malee, kan keenyaan ta’uu hin qabu; ragaan addaa barreeffama kanaaf ta’u waan hin argaminiif, namootni bara kana hiikan, gadi fageenyaan waa’ee kanaa qorachuu hin qaban.

29:27 “ishee kaanaaf torban misirrummaa raawwadhu, yommus ishee kaanis siif ni kenninaa; ati garuu deebitee waggaa torba anaaf ni hojjetta!”“turban misirrummaa akka aadaa kanaatti kan beekamee dha (Abbo. 14:12, 17). Innis immoo Macaafa Xobbit 11: 18 irratti calaqqiseera. Jia torbaniin qoqqooduun yaada Macaafa Qulqulluu ti (Uma. 2: 1, 2). Laabaan gaaffii hin yaadamne dhiyeessee, Yaaqoob waggoota torbaaf akka isaaf hojjetuuf gaafachuun isaa nama qisaasaa ta’uu isaa kan argisiisuu dha. Yaaqoob amma immoo gowwomfamuun isaa osoo isatti dhaga’amuu, dhimmicha ni xumure (27:35).

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:29:31-35

³¹Liyyaan akka hin leellifamin Waaqayyo yommuu argee, dhala godhachuu ishee ni dandeessise; Raa’el garuu dhabduu turte. ³²Liyyaan ulfooftee ilma ni deesse; isheen, “Waaqayyo gad deebi’uu koo waan ilaaleef, amma dhugumma abbaan manaa koo ana ni jaallata” jettee, maqaa isaa Ruubenitti ni moggaafte. ³³Ammas ulfooftee, ilma deessee, “Waaqayyo akka ani hin leellifamin dhaga’ee, ilma isa kanas immoo

anaaf kenne” jettee, maqaa isaa Shimi’oonitti ni moggaafte. ³⁴Ammas ulfooftee ilmas deesse; isheen, “Amma ilma sadii waanan isaaf godhadheef alana anatti ni maxxana!” jette; kanaafis maqaa isaa” Leewwii” jettee ni moggaafte. ³⁵Ammas ulfooftee ilmas deesse; isheen, “alana Waaqayyoon nan jejadha!” jette; kaafis maqaa isaa” Yihudaa” jettee moggaafte; (“Yihudaa” jechuun” galata” jechuudha); kana booddees da’uu ni dhaabde.

29:31 “akka hin leellifamin” kun jechama warra Ibraayisxi ti, innis kallattiidhaan kan” Jibbamte” jechuu dha (BDB 971, KB 1338, *Qal* PASSIVE PARTICIPLE, lakk. 33), garuu Kes. 21:15; Milk. 1:2-3; Yoh. 12:25 fi Luq. 14:26 keessatti sababii hojii irra ooleef, jchama wal madaalchisuuf ta’uu dha, innis dirqamatti” Kan hin leellifamin” inni jedhu” Kan jibbamte” jechuu miti. Kan inni dubbatu waa’ee dursuuti. Yaaqoob Liyaa caalaatti Raaheliin jaallate

29:32 “Liyyaan ulfooftee ilma ni deesse; isheen, ... maqaa isaa Ruubenitti ni moggaafte” (BDB 910, “Kunoo mucaa ilmaa”, “Ilaaluu” xumura jedhu irraa (BDB 909) hundee jechaa beekamaa dha “Kan ilaalame” jecha jedhu irraa (BDB 906, KB 1157, (BDB 906, KB 1157, *Qal* PERFECT kan raawwatame” ilaaluuf”).

■ Mucaa ilmaa godhachuun ulfina guddaa dha. Yaaqoob akka isheetti gammaduu fi beekamtummaa akka isheedhaaf kennu, Liyaan mirkaneeffatteetti.

29:33 “Ammas ulfooftee, ilma deessee, ... maqaa isaa Shimi’oonitti ni moggaafte” maqaan” Shimi’oon” jedhu (BDB 1035) hundee jechaa beekamaa dha, jecha Warra Ibrootaa keessaa” Dhaga’uu” yookiin” Waaqayyo na dhaga’e” (BDB 1033, KB 1570, kan raawwatame).

29:34 “Ammas ulfooftee ilmas deesse; ... maqaa isaa” Leewwii” maqaa isaa (BDB 532 I) hundee jecha beekamaa isa” Waliin makuu” jedhu iraa ti (BDB 530 I, KB 522, niifili hin raawwatamin). Liyaan walitti dhufeenya jabaa ta’e Yaaqoob walin qabaachuuf ni hawwiti

29:35 “Ammas ulfooftee ilmas deesse;...maqaa isaa” Yihudaa”; mucaa inni kun Waaqayyo kakuu isaa raawwachuudhaaf kan filatee dha. Hiikni maqaa isaas” Galata” yeroo ta’u (397), kana keessas” Waaqayyo gooftaa nan galateeffadha” jecha jedhutu keessa jira (BDB 392, KB 389, hifilii hin raawwatamin). Maqaan isaas kan gosaa, kan sabaa, akkasumas maqaa sabni Yihudaa hundi ittiin waamamu ta’eera. Ilmaan warri jalqabaa sadan gocha isaanii isa barbaachisaa hin ta’in irraa kan ka’e fudhatama hin argatne. Ammas wanti nama ajaa’ibu Waaqayyo karaa dubartii ishee hin leellifamin sanaa hidda sanyii masi’ichaa filachuu isaa ti. Dhugaan karaa hin yaadamin eegamaa ture kun Seera Uumamaa keessatti kan beekamee fi, hundumaa danda’auu fi hundumaa ol ta’uu Waaqayyo gooftaa kan argisiisuu dha.

SEERA UUMAMAA 30

HIKAA HAARAA KEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA 'E

NASB	NKJV	NRSV	NET	NJB (follows MT)
Ilmaan Yaaqoob 30:1-13	Ilmaan Yaaqoob (29:31-30:24)	Milakaa'ina Yaaqoob Kaaraanitti (29:1-31:55)	Yaaqoob IlmaanDhalataniif (29:31-30:24)	Ilmaan Yaaqoob (29:31-30:24)
			30:1	29:31-30:8
			30:2	
			30:3-8	
30:14-21	30:9-13	30:9-13	30:9-13	30:9-13
	30:14-21	30:14-21	30:14	30:14-21
			30:15a	
			30:15b	
			30:16	30:22-24
30:22-24	30:22-24		30:17-21	
Yaaqoob ni soorome	Yaaqoob Laabaani wajjinn	30:22-24	30:22-24	Yaaqoob Akkamiin soorome
30:25-36	walii galuu		Yaaqoob Laabaa wajjin	30:25-31
	30:25-36	30:25-36	gatii irratti waliin falmuu	
			30:25-26	
			30:27-28	
			30:29-30	30:32-36
			30:31a	30:37-43
30:37-43	30:37-43	30:37-43	30:31b-33	
			30:34-36	
			30:37-39	
			30:40	
			30:41-43	

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula vii irraa)

SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko gofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

QO'ANNA JECHAA FI GAALEE

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:30:1-8

¹Raa'el ofii isheetii Yaaqoobiif ijoollee akka hin godhatin argitee, obboleettii isheetti ni hinaafte; Yaaqoobiin immoo, "Ijoollee anaaf kenni, kanaa achi ani nan du'a!" jette ²Yaaqoob yommuu Raa'elitti aaree boba'ee, "Anatu iddoo Waaqayyoo isa dhala si dhowwatee bu'ee ree?" jedhe. ³Raa'el kana irratti Yaaqoobiin "Bilhaa" xomboreen koo kunooti! Isheen iddoo koo taatee anaaf deessi, ani immoo nama maqaa koo kaasuu ishee irraa akkan argadhutti, ishee bira dhaqi!" jettee, ⁴Bilhaa xomboree ishee akka haadha manaatti Yaaqoobiif ni kennite; innis ishee bira ni ga'e. ⁵Bilhaanis ulfootee Yaaqoobiif ilma deesse. ⁶Raa'elis, Waaqayyoo dhugaa anaaf baasera, sagalee himata koo dhaga'ee, ilma anaaf kenneera" jette; kanaafis maqaa isaa Daanitti ni moggaafte. ⁷Bilhaa xomboreen Raa'el ammas ulfootee, Yaaqoobiif lammaffaa ilma deesse. ⁸Raa'el kana irratti, "ani jabeessee obboleettii koo wallaansoo qabee, ishees harka nan caale" jettee, maqaa isaa Noftaalemitti ni moggaafte.

30:1 "obboleettii isheetti ni hinaafte" kun kallattiidhaan "Fuula diimeeffachuu" dha (hidda AfaanArabaa irraa BDB 888, KB 1109, *Piel* IMPERFECT). Isheen walumaa galatti aarii ishee Yaaqoob irratti baafatte ("Mucaa naaf kenni" BDB 396, KB 393, xiyyeeffattuu), Isas taanaan battaluma sanatti kan inni fuula bade (lakk. 2)! Dhabduu ta'uun abboota biratti waanuma aadaa ta'e fakkaata. Yeroo Ribqaan waggoota digdama oliif kadhattu, obsa dhabuun Raahel lakk. 1 irratti ni mul'ata. Erga Liyaan ijoollee afur godhatteen booda, Raahel itti hinaafte, ni aarte, akkasumas obsa dhabde.

30:3 "Bilhaa" xomboreen koo kunooti! Isheen iddoo koo taatee anaaf deessi, "Kun jechama aadaa yeroo ta'u innis mucaa nama kan biraa guddifachuu kan argisiisuu dha (Uuma. 48:12). Nutis Kitaaba seeraa Liipiit-Ishtaar, Seera Amuraabii, Barreeffamoota Gabatee Kuunuz, Barreeffamoota Gabatee Maarii, fi Barreeffamoota Gabatee Allaalaak irraa akka hubatnutti kun aadaa irraa kan ka'e ta'uu ni danda'a.

Abdii kutatnaan Raahel ajaja ishee walitti fufiinsaan jiru keessatti ni mul; ata.

1. Gara ishee dhaqi, BDB 97, KB 112, *Qal* IMPERATIVE (gaaffii cimaa ta'e)
2. Isheenis akka ulfooftuuf, BDB 408, KB 411, *Qal* IMPERFECT, kan hin raawwatamin miira jabeessuutiin kan itti dhimma ba'ame.
3. Karaa ishee ijoollee akkan argadhuuf (kallattiidhaan, anis akkan galateeffamuuf), BDB 124, KB 139, *Niphal* IMPERFECT, hiiifilii hin raawwatamin, bifa dabalataan kan gale.

30:5-6 "Bilhaanis ulfootee, Yaaqoobiif ilma deesse ... Daanitti ni moggaafte" maqaan "Daan" jedhu jecha Warra Ibrootaa yeroo ta'u "Dhugaa baasuu" jechuu dha (BDB 192). Mucaan isheen lakk. 21 irratti godhattu jecha kanaaf maqaa dhalaadhaaf ta'u waliin kan wal fakkaatuu dha (Dhinee, BDB 192).

30:8

NASB, NRSV

"Wal'aansoo jabaadhaan"

NKJV	“Wal’aansoo guddaadhaan”
NET	“Wal-falmii jabaa”
NJB	“Lola murteessaa”
LXX	“Falmii”

Rakkoo kan ta’u MT *elohim*, qabatee jiraachuu isaa ti, innis isa Raahel sababii dhabduu taateef Waaqayyo wajjin wal’aansoo wal qabde akkaataa biraadhaan kan argisiisuu dha (TEV).

☐ “Niftaalem” jechi kun “wal’aansoo qabu” jecha jedhu waliin kan walitti firoomuu dha (Kallattiidhaan, “Micciiruu”). Isheenis obboleettii ishee waliin diinumaadhaan, Waaqayyo waliin immoo kadhanaadhaan wal’aansoo qabdeetti.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:30:9-13

⁹Liyyaan garaan ishee akka dhaabbate yommuu argite, Zilfaa xomboree ishee fuutee, akka haadha-manatti Yaaqoobiif ni kennite. ¹⁰Zilfaan xomboreen Liyyaas Yaaqoobiif ilma deesse. ¹¹Liyyaanis, “Maal ayyaanni akkasii!” jettee, maqaa isaa Gaaditti moggaafte. ¹²Zilfaan xomboreen Liyyaa dabaltee Yaaqoobiif ilma ni deesse. ¹³Liyyaanis, “Attam nan gammadee! Dubartoonnis бага gammadde! Naan jedhu” jettee, maqaa isaa Asheritti ni moggaafte.

30:9 Dubartoota/obboleettota kana lamaan gidduu wali falmii jabaatu ture!

30:10-11 “Zilfaan xomboreen Liyyaas Yaaqoobiif ilma deesse ... Gaad” jechi jedhu (BDB 151 III) kan argame jecha Warra Ibrootaa” Caraa qabaachuu” yookiin” Carraa gaarii” jedhu irraa ti (BDB 151 II).

MT (Masoret) “Carraa gaariidhaan” kan jedhu qaba, yaadannoo miil-jalee Beektota Maazora’itikii iraa garuu” Carraa gaariitu dhufe” isa jedhu qaba. Innis ta’uu kan danda’u Gaad ig (BDB 151 III) kan dhufe

1. macca guddaa irraa ti, irig BDB 151, NKJV (NIV yaadannoo miil-jalee)
2. Carraa, ig BDB 151 II, LXX, NASB, NRSV, NET, JPSOA NJB, NREB, TEV
3. Gammachuu, LXX

30:12 “Zilfaan xomboreen Liyyaa dabaltee Yaaqoobiif ilma ni deesse Asher” maqaan kun jecha Warra Ibrootaa” Gammachuu” jedhu waliin kan wal simuu dha. (BDB 81).

30:13 “Asher” maqaan kun (BDB 81) gochima/xumura gammachuu jedhu irraa kan dhufee dha (BDB 80, KB 97 II, *Piel* PERFECT), hiikni isaas” gammadaa isa jedhame” yookiin”kan eebbifame” dha.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:30:14-21

¹⁴Yeroo qamadiin itti haamamutti Ruuben gaaf tokko bakkeetti ba’ee, ija muka” Hawwa jaalalaa kaasa” jedhamee beekame argatee, Liyyaa haadha isaaf ni geese; Raa’elis Liyyaadhaan, “Ija mukaa ilmi kee fide sana irraa mee naaf kenni!” jette. ¹⁵Liyyaanis isheedhaan, “Inni ati abbaa manaa koo ana irraa fudhattee xinnaannaan, ija mukaa ilmi koo fide sana immoo fudhachuu kajeeltee?” jette; Raa’el immoo, “Egaa qooda ija mukaa isa anaaf kennituu kanaa Yaaqoob edana si bira haa bulu!” jette. ¹⁶Gagala sana Yaaqoob lafa maasiitii utuu galuu, Liyyaan gad itti baatee, “Ani ijaa mukaa ilmi koo fideen dugda si bitadheera; kanaaf ana bira dhufuutu siif ta’a!” jette; Yaaqoobis halkan sana ishee bira ni bule. ¹⁷Waaqayyo immoo Liyyaadhaaf ni dhaga’e; isheenis ulfoofttee Yaaqoobiif ilma shanaffaa deesse. ¹⁸Liyyaan, “Ani xomboree koo abbaa manaa koof kenninaan, Waaqayyo gatii koo anaaf kenne” jettee maqaa isaa Yisaakoritti ni moggaafte. ¹⁹Liyyaan ammas ulfoofttee Yaaqoobiif ilma ja’affaa deessee, ²⁰Waaqayyo kennaa gaarii anaaf kenneera, egaa ani ilma ja’a abbaa-manaa koof waanan da’eef, inni si’achi ulfina anaaf ni kenna!” jette; maqaa mucichaa immoo Zebiloonitti moggaafte. ²¹Isheen kna booddee durba deessee, maqaa ishee” Dhinee” jettee moggaafte.

30:14 “Yeroo qamadiin itti haamamutti Ruuben gaaf tokko bakkeetti ba’ee, ija muka” Hawwa jaalalaa kaasa” jedhamee beekame argatee, Liyyaa haadha isaaf ni geese; Raa’elis Liyyaadhaan, “ Mukti kun (BDB 118) ija isaa isa bifa keelloos ta’e hiddi isaa, bara duriitti qorichaa jaalal namaa dadammaqsuuf gargaaru ture (Weedduu 7:13). Innis nama kan fakkaatu ka’umsa aadaa kanaati. Raahel kan isheen kana barbaaddeef ulfooftee mucaa godhachuudhaaf waan abdatteefii dha (Maatiin kakuu ammas yeroo lammaffaa Waaqayyoon gargaaruuf yaalii taasisaa jira). Wal’aansoon obboleettota kana lamaan gidduu jiru kana kan argisiisuudha. Anaan kan na dhibbu Yaaqoob hammina dubartoota kana lamaanii gowwomfamuu isaa ti (lakk. 15-16).

30:16 “dugda si bitadheera” kun hundee wal fakkaataa irraa, raawwatamaa hin murtaa’inii fi gochima xumuramaadha (BDB 968, KB 1330), innis jabina kan argisiisu. Yaaqoob fedhii isaatiin fedhii foonii dubartoota isaa warra jalqabaa lamaanii waliin gochuuf dhiibbaan isa keessa bule. Maqaan **Yisaakor** dhugaa gaddisiisaa kana kan calaqqisiisuu dha.

30:18 “Yisaakor” maqaan jedhu (rkccy BDB 441) jecha Warra Ibrootaa” Beenya” yookiin” Bakka buusuu” jedhu waliin kan wal simuu dha (rkc BDB 969). Liyaan jaalala Yaaqoob ija mukaa Ruuben fideen dugda bitatte!

30:19-20 “Liyyaan ammas ulfooftee Yaaqoobiif ilma ja’affaa deessee, maqaa mucichaa immoo Zebilonitti moggaafte. “ Jechi Zebilon jedhu (BDB 259) akka jecha Warra Ibrootaatti” kennaa” yookaan immoo “kaffaltii” kan jedhu yeroo ta’u (BDB 256) akkasumas” Jiraachuu” yookaan” Badhaafamuu?” kan jedhuu dha (BDB 259). Dubartootni isaa amma iyyuu jaalala isaatiif wal’aansoo irra jiru.

30:21 “Isheen kna booddee durba deessee, maqaa ishee” Dhinee” kun akka fakkaatutti isheen maatii kanaaf intala tokkittii dha. Maqaa ishee qofa ta’uun isaa kan mirkaneessu tari ishee qofa waan taateef ta’a, ta’e iyyuu 37:35 ilaali. Ta’e iyyuu tarii saanaa itti fufee jiru keessatti bakka Dhinee kan isheedhumti qofi keessatti caqafamte ta’uu danda’a.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:30:22-24

²² Waaqayyos Raa’eliin yaadatee, isheedhaaf dhaga’ee, dhala godhachuu ishee ni dandeessise. ²³ Isheen ulfooftee ilma deessee, “Waaqayyo, wanta ani ittiin arrabsamaa turee” ana irraa ni fuudhe” jette. ²⁴ Isheen, “Waaqayyo ilma kan biraa anaaf haa dabaluu!” jechuudhaan, maqaa isaa Yoosef jettee ni moggaafte.

30:22-24 “Waaqayyos Raa’eliin yaadatee, isheedhaaf dhaga’ee, dhala godhachuu ishee ni dandeessise” maqaan” Yoosef” jedhu (BDB 415) gochima Ibraayisxi lama keessaa tokko waliin kan wal simuu dha. “

1. Arrabsamuu ishee irraa kaase” (BDB 62, KB 74, *Qal* PERFECT, kan raawwatame, lakk. 23) yookaan
2. “Dabaluu” (BDB 414, KB 418, *Hiphil* JUSSIVE) Waaqoob mucaa ilmaa kan biraa kadhachuu (35:17).

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:30:25-36

²⁵ Raa’el erga Yoosefiin deessee, Yaaqoob immoo Laabaaniin, “Gara iddoo taa’umsa koo, gara biyya koos akka ani dhaquuf gad nadhiisi! ²⁶ Ani hojii attamii akkan siif hojjedhe ati iyyuu beekta; ammas ani nan adeemaatii dubartoota koo fi ijoollee koo warra ani isaaniif jedhee siif hojjechaa ture anaaf kenni!” jedhe. ²⁷ Laabaan deebisee Yaaqoobiin, “Kun faara tolaadhaan yoo ta’ee, ani kanaan dura iyyuu Waaqayyo sababii keef jedhee akka ana eebbise hooda arguudhaan bira ga’eera” jedhe. ²⁸ Itti dabalees, “Amma gatii dadhabbii keetii anatti himadhu, anis isa siifan kennaa” jedhe. ²⁹ Yaaqoob immoo Laabaaniin, “Hammam akkan siif hojjedhe, horiin kees ana biratti hammam akka eegamte ati ofii keetii iyyuu beekta”; ³⁰ si bira dhufuu koo dura horii muraasa qabda turtee, amma garuu wal hortee baay’atteetti; lafuma miilli koo ga’etti Waaqayyo si eebbiseera; maatii koofis immoo yoom waa godhuree?” jedhe. ³¹ Laabaan deebisee, “Maal siif kennu ree?” jedhee isa gaafate; Yaaqoob immoo, “Isa ani sitti himachuudhaaf jedhu kana yoo anaaf goote, kana malee waan tokko iyyuu anaaf kennuu si hin barbaachisu; yoo akkas ta’e, ani bushaayee kee nan tisa nan eegas, ³² har’a immoo ani bushaayee kee hundumaa keessa nan darba; hoolota kees warra xiiffee, buburree, ilmoolee gugurraa hundumaas, re’oota keessaas warra buburree fi xiiffee addaan nan baasa; warri akkasii kun gatii dadhabbii kootii anaaf haa ta’an! ³³ Amanamummaan koo bor anaaf dhugaa ni ba’a; ati waa’ee gatii dadhabbii ani si biraa qabuuf yommuu dhufuu, re’oota keessaa warra xiiffee fi buburree, ilmoolee hoolaa warra gugurraa hin ta’inis ana biratti yoo argite akka waan hatamaniitti haa

ilaalaman!” jedhe. ³⁴ yommus Laabaan, “Tole akkuma ati jette haa ta’u!” jedhe. # ³⁵ Gaafuma sanas Laabaan korbeeyyi reettii warra qaxxaamuroo, warra xiiffee, re’oota dhaltuu, warra xiiffee, warra buburree, warra adii dhagnattii qaban hundumaa ilmoolee hoolaa warra gugurraa hundumaas fuudhee ilmaan isaa harka galche. ³⁶ Inni adeemsa guyyaa sadii’ii Yaaqoob biraa ni fagaate; Yaaqoob immoo bushaayee Laabaan warra hafan sana ni tikse.

30:25-26 “Gara iddoo taa’umsa koo, gara biyya koos akka ani dhaquuf gad nadhiisi!” walumaa galatti akka aadaa yeroo sanaatti, Yaaqoob deemuu caalaa, Laabaan isa geggeessuutu isa irra ture. Inni firii gaarii waan hin ta’iniif yeroo hedduu deemuudhaaf yaalii taasissee jira. Sababii bu’aa isaaf qabuuf Laabaan Yaaqoob akka turu barbaada (lakk. 27).

Lakk. 25 fi 26 irratti haasaa jabaataa waliin qabu.

1. “**gad nadhiisi**,” lakk. 25, BDB 1018, KB 1511, *Piel* IMPERATIVE
2. “**gara biyya koos akka ani dhaquuf**,” lakk. 25, BDB 229, KB 246, *Qal* COHORTATIVE
3. “**dubartoota koo fi ijoollee koo anaaf kenni!**” lakk. 26, BDB 678, KB 733, *Qal* IMPERATIVE
4. “**akka ani dhaquuf**,” BDB 678, KB 733, *Qal* IMPERATIVE

“Siif hojjedheera” goochimni jechi jedhu (BDB 712, KB 773) yeroo lama itti dhimma ba’ame (lakk. 29), yaada Yaaqoob, akka inni guutummaatti Laabaaf baasii baase argisiisa (dabalataaf lakk. 30) ilaali.

30:27 “Waaqayyo sababii keef jedhee akka ana eebbise hooda arguudhaan bira ga’eera” “bira ga’eera” jechi jedhu hundeen isaa” yaada fudhacuu diduuti” yookaan” oduu” dha (BDB 638 II). Innis wanta dhufu baruudhaa fi to’aachuudhaaf, Waaqayo gooftaatti amanuudhaan osoo hin taanee, yaada fooniitiin yaali inni taasisuu dha. Innis Lew. 19:26; Lakko. 23:23-24; fi Kees. 18:10 irratti dhorkameera.

Wntootni sabni bara durii, bara Seera Uumamaa itti fayyamaa turan maaliif bara Museetti akka dhorkaman baruun baay’ee rakkisaa dha.

1. Tuullaa dhagaa
2. Ekeraa dubbisuu (44:5, 15 (Yoosef)
3. Xibaara fakkeessuu (jechuunis, ulee xixiifteen, horii xixiiffee argamsiisu)
4. Muka iji isaa jaalala nama qabsiisu fayyadamuun
5. Waaqa-tolfamaa mana keessaa (*teraphim*)
6. Dhagna qabaa warra waaqa-tolfamaa waaqessanii (akka meeshaatti)

Isaan bara durii kun aadaa isaanii irratti dhiibbaan geggeeffameera. Isaan garuu, karaa dheeraa yoo ta’e iyyuu, gara isa mudaa hin qabneetti darbaniiru!

30:28 “**Amma gatii dadhabbii keetii anatti himadhu, anis isa siifan kennaa**” Laabaan badhaadhummi isaa guutummaatti Yaaqoob irratti kan hundaa’e ta’uu isaa hubateera, kanaaf akka ta’etti akka inni hin deemne gochu barbaadeera.

Gochimi” **arguudhaan**” jedhu (BDB 666, KB 718, *Qal* IMPERATIVE) fayyadama hiika addaa qaba. Akka hiika idileetti” **Kutuu**” yookiin” **Fudhachuu**” dha. Asitti kan inni ibsuu Yaaqoob gatii dadhabbii isaa himee Laabaa biratti akka hafuu dha.

Gichimi laammafaan” Kennuu” (BDB 678, KB 733, *Qal* COHORTATIVE) inni jedhu Laabaan isa bira jiraachuu fi deggersi Yaaqoob akka isa barbaachisu hubachuu isaa nama barreeffama kana dubbisutti kan argisiisuu dha (lakk. 30). Laabaan abbiyyuu isa gaafatu ta’uu qaba (31: 11-12). Barreeffamichi garuu irra caalaa Yaaqoob kan isatti argamuu fi kan inni jiraatu akka hojjetaa qacaramaa ta’uu isaa kan argisiisuu dha (31:14-16).

30:30 “**lafuma miilli koo ga’etti Waaqayyo si eebbiseera**; “maddi eebba Laabaa Yaaqoob akka ta’e, walitti dhufeenyi isaas Waaqayyo wajjin akka ta’e Yaaqoob baree jira. Garuu lakk. 30 irraa akka argamu, Yaaqoob jireenyi mataa isaa akka isa barbaachisu hubateera.

30:31 “**Maal siif kennu ree?**” jedhe.... . waan tokko iyyuu anaaf kennuu si hin barbaachisu” Yaaqoob maddi eebbaa Laabaa osoo hin taanee Waaqayyo akka ta’e beekke jira.

30:32 Yaaqoob horii keessaa hoolotaa fi re’oota xixiiffee ta’an fudhachuuf jedha (BDB 378, lakk. 32-35 tti yeroo shan caqafamee jira). Horiin xixiiffee qaban hoolota keessaa gugurraa ta’auu qabu, akkasumas buraaburree qabani dha. Isan bifa hedduuminaan hin beekamin qaban kun, darbanii darbaniiti kan isaan argaman. Isa kana sababiin isaa inni ifaan Yaaqoob baree fi Laabaas ta’e Yaaqoob fuula duratti isaan kun kan eenyuu ta’uu akka qaban gaaffii akka hin kaafne (lakk. 33).

30:35-36 “Gaafuma sanas Laabaan korbeeyyi reettii warra qaxxaamuroo, warra xiiffee, re’oota dhaltuu, warra xiiffee, warra buburree, warra adii dhagnattii qaban hundumaa ilmoolee hoolaa warra gugurraa hundumaas fuudhee ilmaan isaa harka galche” lakkoobsa kanaa fi lakk. 36 irra wantoota nama ajaa’ibsiisantu jira. “Isa” jechi jedhu lakk. 35 irra jiru mul’inatti Laabaa argisiisa. Kun isa jalqabaa ilmaan ofii isaattii itti caqafamanii dha. Walumaagalatti, Laabaan horii sana qoodee, ilmaan ofii isaatii akka tiksan taasise. Lakk. 36 irratti kan nuti arginu Laabaan horii isaa wajjin akka wal hin makneef, horii Yaaqoob adeemsa guyyaa sadi’ii irraa fageesse. Kun immoo eebba isaanii mirkaneeffachuudhaaf, Yaaqoob horii Laabaa akka tiksuuf isa dirqisiiseera. Laabaan waan hunda kan gudhu yoo ta’e illee, Waaqayyo Yaaqoob waliin ture. Ani akka dhuunfaa kootti, maddi horii warra xixiiffee fi buburree dafanii horani sanaa tooftaan Yaaqoob isa lakk. 37 irratti caqafame miti, garuu jiraachuu Waaqayyo isa uumamaa ol ta’ee ti.

Yaadannoo miila-jalee qorannaa Macaafa Qulqulluu isa Hiika Haaraa (NIV) irraa akka ibsutti lakk. 35 horii bifa adda ta’e qaban qophaatti baasuudhaaf, Laabaa fi ijoollee isaatiin dhoksaatti akka godhamee dha, Yoo akkas ta’e, gaaffiin Yaaqoob warra fuula duratti dhalatan qofa kan argisiisuu dha. Yeroon lakk. 35 dubbisutti hiika akka kanaa waan qabu anatti hin fakkaatne, garuu uumamni Laabaa inni dhiibbaa geggeessuu danda’u nah in dingu.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:30:37-43

³⁷Yaaqoobis ulee muka garaa-garaa akka ulmaayii, mixoo, sootalloo muree, darbees qola irraa quncisuudhaan ni buburreesse; inni irraa quncisee adiin isaa akka mul’atu godhe. ³⁸Inni yeroo bushaayeen bishaan dhuguu dhufanitti, ulee darbee-darbee qolli irraa quncifame sana fuula isaanii dura bidiruu bushaayeen keessaa dhugan keessa ni dhaabe; bushaayeen bishaan dhuguu dhufan kunis korbeessa kajeelanii argaman. ³⁹Bushaayeen sunis uleewwan sana utuu ilaalanii ni ari’an; booddees ilmoolee qaxxaamuroo, xiiffee, buburrees ni dhalan. ⁴⁰Yaaqoob ilmolee kana qophaatti baasee, bushaayeen Laabaanis warra qaxxaamuroo fi warra gugurraa kana hundumaa akka ilaalan ni godhe; ilmoolee warra qophaatti baase kanas, karra ofii isaatii odhatee addaan baase malee, bushayee Laabaanitti hin daballe. ⁴¹Yeroo bushaayee warri jajjaboon itti korbeessa kajeelanitti, isaan uleewwan sana biratti akka ari’aniif, uleewwan sana bidiruu keessa lafa isaan of duratti argan ni dhaabe. ⁴²Bushaayee warra dadhaboo dura garuu, uleewwan sana hin dhaabne; ega warri dadhaboonni kan Laabaan, warri jajjaboon kan Yaaqoob ta’an. ⁴³Yaaqoob akka kanatti safara malee ni hore, hojjetoota dubartii fi dhiiraa, bushaayee baay’ee, gaalota, harrootas ni argate.

30:37-43 Kunis ammas maatiin abboota, Yaaween/Waaqayyo gooftaan isa abdachiise akka raawwatuuf isa gargaaruuf yaalii isaan taasisan kan argisiisuu dha! Toofataan kun haa hojjetu haa dhiisu (fakkeenyaaf keemikala biqiltuuwwan keessa jiran tokko tokko), dhimma Waaqayyoo miti! Yaaqoob nni waliin dha’aan amma iyyuu hojii irra jira! Abdiin Yaaween abdachiise gocha Yaaqoobiin ni daangeffamuu?

30:43 Karrii fi horiin Yaaqoob waggoota hedduudhaaf wal horaniiru (Tarii waggoota 14 qacarame keessatti dacha ja’a, 31:41).

Gaaffiiwwam mree kan boqonnaa 29-30

Kun qajeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan.

1. Malliif Waaqayyo, namni waliin dhooftuun akka Laabaa, qodaa isaaf filatamee addaan ba'e Yaaqoobiin akka qisaasuuf iyyame
2. Yaaqoob waaqota hedduu waaqessuuf fedhee jiraa?
3. Hundee jechaa beekamoo ta'an kan maqaa ijoollee knaa caqasi.

SEERA UUMAMAA 31

HIKAA HAARAA KEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA 'E

NASB	NKJV	NRSV	NET	NJB (follows MT)
Yaaqoob kanaa'aniin iccittiitti gadhiise	Yaaqoob Labaa biraa baqate	Milkaawii Yaaqoob Kaaraanitti (29:1-31:55)	Yaaqoob Labaa biraa baqate	Baqachuu Yaaqoob
31:1-16	31:1-16	31:1-9 31:10-16	31:1-3 31:4-9 31:10-13	31:1-13 31:14-16 31:17-21
31:17-21	31:17-21	31:17-18	31:14-16	Laabaan Yaaqoobiin
Laabaan Yaaqoobiin faana dha'e	Laabaan Yaaqoobiin faana dha'e	31:19-21 31:22-24 31:25-32	31:17-21 Laabaan Yaaqoobiin faana dha'e	faana dha'e 31:22-25 31:26-30 31:31-35
31:22-24	31:22-24		31:22-25	
31:25-32	31:25-32		31:26-30	
31:33-35	31:33-35	31:33-35 31:36-42	31:31-32	31:36-42
31:36-42	31:36-42		31:33-35	Waliigaltee Yaaqoobii fi
Kakuu Mitsiphaa	Kakuu Laabaa Yaaqoobii wajjin		31:36-42	Laabaan gidduutti
			Waliigaltee Yaaqoobii fi	taasifame (31:43-32:3)
			Laabaan gidduutti	31:43-44
31:43-55	31:43-50 31:51-55	31:43-50 31:51-54 31:55	taasifame 31:43-44 31:45-55	31:45-55

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula vii irraa)

SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirmaa gulummoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

QO'ANNA JECHAA FI GAALLEE

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:31:1-16

¹Ilmaan Laabaan, “kan abbaa keenyaa kan ture hundumaa Yaaqoobtu fudhate; kan bbaa keenyaa isa tureenis badhaadhummaa kana hundumaa argate” ittiin jechuu isanii Yaaqoob ni dhag’e. ²Akkasumas Laabaan akka isaa durii akka faara itti hin tolle, Yaaqoob fuula isaa irraa ni arge. ³Waaqayyo yommus Yaaqoobiin, “Gara biyya abboota keetii gara lammii keetiittis deebi’e, anis si wajjin nan ta’a!” jedhe. ⁴Yaaqoob kanaaf Raa’elii fi Liyaatti ergee, gara bakkee lafa karri bushaayee isaa jiranitti ni waamsise. ⁵Isaaniinis, “Abbaan keessan amma akka isaa durii akka faara anatti hin tolle, ani fuula isaa irraa nan arga; Waaqayyo inni kan abbaa kootii garuu anaa wajjin ta’eera ⁶Ani human koo guutuudhaan abbaa keessaniif akkan hojjedhe immoo, isin ni beektu. ⁷Inni garuu na gowwomsee gatii dadhabbii koo si’a kudhan geddareera; haa ta’u iyyuu malee, Waaqayyo akka inni na miidhu hin goone. ⁸Yeroo Laabaan, ‘Warri xiiffen gatii dadhabbii kee haa ta’an’ jedhe, karri bushaayee hundinuu ilmoolee xiiffen ni dhalu turan; yeroo inni, ‘Warri qaxxaamuroo qaban gatii dadhabbii kee haa ta’an’ jedhes karri bushaayee hundinuu qaxxaamuroo dhalan. ⁹Akkasitti Waaqayyo horii abbaa keessanii isa harkaa baasee, anaaf kenneera. ¹⁰Yeroo bushaayeen korbeessa kajeelanitti, ani ol ilaalee abjuutti korbeeyyiin warri qaxxaamuroo qaban, xiiffen, booxoon, utuu bushaayee hobobsanii nan arge. ¹¹Yommus ergamaan waaqayyoo abjuutti, ‘Yaaqoob!’ naan jedhe; anis, asan jira nan jedheen. ¹²Innis, ‘Ani wanta Laabaan si irratti hojjete waanan argeef, ol jedhi, korbeeyyiin warri bushaayee hobobsan hundinuu qaxxaamuroo kan qaban, xiiffen, booxoos akka ta’an ilaali!’ ¹³Ani Waaqayyo isa Bet’el iddoo ati utubaa dibdee wareega itti anaaf wareegde sanatti mul’atee dha; ammas ka’i, biyya kana keessaa ba’ii adeemi, gara biyya lammii keetiittis deebi’i!’ naan jedhe” jedhe. ¹⁴Raa’elii fi Liyaanis deebisanii, “Ga’aan, dhaallis mana abbaa keenyaa keessaa nuuf jiraa ree? ¹⁵Nuyi isa birratti akka hormaatti ilaalamneerra mitii re? Inni nu gurgureera, horii waa’ee keenyaf kennames nyaatee fixe mitii ree? ¹⁶Badhaadhmaan inni abbaa keenyaa kana harka Waaqayyoo baase immoo kan keenya, kan ijoollee keenyaatis; kanaaf amma ati waanuma Waaqayyo siin jedhe godhi!” ittiin jedhan.

31:1 “ittiin jechuu isanii Yaaqoob ni dhag’e” ummuriin ijoollee kanaa meeqa akka ta’e sirriitti hin beekamu, garuu of danda’anii horii kan tiksan turan (30:35). Boqonnaa 30 booda waggootni hedduun darbaniiru. Walumaa galatti waan manatti dhaga’an deebisanii dubbatan. Isaanis mul’inatti deebisanii dubbatanii jiru, kunis yoo Yaaqoob itti dhufe kan hin sodaatne ta’uu isaanii argisiisuu dha. Komeen isaanii, hubatamuu kan danda’u yoo ta’e iyyuu, dhugaa hin qabu (30:30). Yooqoob mana Laabaa dhufuun dura Laabaan dureessa hin turre. Waaqayyo gooftaan Yaaqoob waliin ture, Laabaan immoo isatti michoomuu isaatiin eebbifame.

■ **“Badhaadhummaa”** kun kallattiidhaan “Kabajaa” jechuu dha (BDB 459, ካጃጉ). Hiikni Warra Ibrootaa jecha “Ulfina” jedhuuf “Ulfaachuu” yookin “Ulfaatina” jechuu dha. Innis “Kabajaadhaaf” fayyaduu danda’a. Asi keessatti garuu kan jechuu barbaadu” Fooniin irraa haffaa qabaachuu” dha (NKJV).

31:2 “Laabaan akka isaa durii akka faara itti hin tolle, Yaaqoob fuula isaa irraa ni arge” Laabaan hakuuca dha. Inni sababii malee Yaaqoobiin kan rakkisu yoo ta’e illee, fuula itti ifa ture, amma garuu fuulli isaa isatti geddarama.

31:3 “Waaqayyo yommus Yaaqoobiin, “Gara biyya abboota keetii gara lammii keetiittis deebi’e, “ Waaqayyo gooftaan carraa kana, Yaaqoob haalli jiru gaarii akka hin taane hubachuu isaa, gara abboota isaatti akka inni deebi’uuf yeroo isaa akka ta’e hubachiisuuf itti fayyadameera (“Deebi’e”, BDB 996, KB 1427, *Qal*

IMPERATIVE). Innis gaalee” **anis si wajjin nan ta’a!**” (Uuma. 28:10-22, keessumatti lakk. 15) jedhuun shaakala isaa isa Bet’el, isa yaadachiise.

31:4 “Yaaqoob kanaaf Raa’elii fi Liyaatti ergee, gara bakkee lafa karri bushaayee isaa jiranitti ni waamsise” Raahel haadha-manaa jaallataamtuu waan taateef, dursa caqafamte. Isaanis dhoksaa addaattiif bakkee qophaatti walitti qabaman. Akka walii-galatti Yaaqoob dursee waa’ee kanaa dubartoota isaa waliin hin mari’atne.

31:5 “Waaqayyo inni kan abbaa kootii” kun gaalewwan hedduu boqonnaa 31 keessa jiran keessaa isa tokko, innis, walitti fufiinsa seena qabeessa kakuu Waaqayyo, dhaloota hedduu maatii Abrahaamiif qabu kan argisiisuu dha.

31:6 “Ani human koo guutuudhaan abbaa keessaniif akkan hojjedhe immoo, isin ni beektu. “ Dubartootni Yaaqoob haala abbaa isaanii wajjin wal-qabatee haala hojii fi yeroo dheeraa hojichuu Yaaqoob beekaniifii jiru. Inni waggoota 14 isaaniif jecha, waggoota 6 immoo karraa fi horii ofii isaatiif.

31:7 “Inni garuu na gowwomsee gatii dadhabbii koo si’a kudhan geddareera” ; “na gowwomsee” jechi jedhu (BDB 1068, KB 1739, hiifilii raawwatame) hundeen isaa Ibraayisxi irraa yeroo ta’u hikni isaas” Gowwomsuu, “Dogogorsuu, “yookiin” Salphisuu” dha.

“Jijjiiruu” jechi jedhu (BDB 322, KB 321) lakk. 41 irratti immoo caqafameera. Attamittiin Laabaan dadhabbii isaa akka jalaa gegeedare mul’isee hin ibsine yoo ta’e illee, barreeffama isaa irraa kan nuti hubatnu ifaa dha, Yaaqoob horii warra bifa xixiiffee qaban fudhachuun akka isa irra ture, isaan xixiiffeen yeroo dhalatan, garuu Laabaan isaan sana keessaa hanga ta’e ofii isaatiif fudhate. Yeroo yerootti gegeedara, Waaqayyo garuu isa hafe ga’ee Yaaqoob warra xixiiffee buburree ni eebbise (lakk. 8).

☐ **“si’a kudhan”** kun lakkoobsa beekamee dha, innis harboomsuuf kan gargaaruu dha, si kudhan ta’uu dhiisuu ni danda’a{Hiika kallattii warra Lixaa (Europe) irraa of eeggadhu}.

☐ **“Waaqayyo akka inni na miidhu hin goone”** Yaaqoob Waaqayyo biratti bakka akkamii akka qabu hubateera, raajii 25:23 irra jiru qofa irratti hundaa’uu qofaan miti, garuu mul’ata addaa kan Waaqayyoo isa 28: 10-12 tti jiru irratti hundaa’uun, innis kan inni shaakale gargaarsa waaqa irra. Laabaanis immoo isa sirriitti ni beeka (lakk. 29).

31:8 Lakkoobsi kun Laabaan attam godhee hunduma isaanii jijjiiruuf yaalii akka taasise tooraan ibsa. Ta’u iyyuu, Waaqayyo akkaataa wal hormaata re’ootaa fi hoolotaa isa beekamu sana, Yaaqoobiin fayyaduuf jedhee geddareef, yeroo hunda gegeedara (lakk. 9).

31:9 “Waaqayyo... isa harkaa baasee” kun gochima cimaa dha (BDB 664, KB 717, hiifilii hin raawwatamin), innis hundee hiifiliin kan argisiisu” Harkaa butuu” dha, lakk. 9 fi 16. Innis adamsituu miidhaa bineensa caakkaa harkaa butanii oolchuudha (1Saamu. 17:34-35; Hisq. 34:10; Amo 3:12). Akkuma Laabaan miindaa Yaaqoob isa seera qabeessa ta’e duraa fudhate, Waaqayyos immoo karra isaa harkaa butee Yaaqoobiif kenne. Tarsiimoon wal jala ceesisuu isaatii lakk. 12 irratti ibsameera.

31:10 “Yeroo bushaayeen korbeessa kajeelanitti” kun abjuu jabaa Yaaqoob, waa’ee horii isaaf ta’uuf jiranii ilaalchisuudhaan abjoote kan argisiisuu dha. Innis tooftaa Yaaqoobiin miti (jechuunis, 30: 37-34), garuu ayyaana Waaqayyoo isa horiin ga’aa Yaaqoob akka baay’atu taasiseen (lakk. 9 keessumatti lakk. 12).

31:11 “ergamaan waaqayyoo” ammas ergamaan Waaqayyoo yaada waaqa irraaf nama ta’eera (jechuunis, Uuma. 16:7-13; 18:1; 19:1; 21:17, 19; 22:11-15; 31:11, 13; 32:24, 30; 48:15, 16; Ba’u. 3:2, 4; 13:21; 14:19; Abbo. 6:12, 14; Zakk. 3:1-2). Inni waa’ee Waaqayyo gooftaa dubbata. Mata duraa addaa 12:7 irra jiru iaali.

31:13 “Ani Waaqayyo isa Bet’elitti sitti mul’atee dha” kun kan argisiisu, abjuu Yaaqoob abjoote osoo hin taane, Uuma. 28:10-22 keessatti galmaa’ee jira. Waaqayyo abbaa Abrahaamii fi akaakayyuu Abrahaam abboomii addaa kenneera.

1. “Ka’I, “ BDB 877, KB 1086, *Qal* IMPERATIVE
2. “Dhiisi” (kallattiidhaan” Deemi”), BDB 422, KB 425, *Qal* IMPERATIVE
3. “Deebi’uu, “ BDB 996, KB 1427, *Qal* IMPERATIVE

31:14 dubartootni Yaaqoob hundi isa waliin turan!

31:15 “Nuyi isa birratti akka hormaatti ilaalamneerra mitii re? Inni nu gurgureera, horii waa’ee keenyaf kennames nyaatee fixe mitii ree?” ijoolleeb Laabaa kun lamaan, akka aadaa bara sanaatti (aadaa warra

Huuriyaa), wanti isaaniif ta'uun irra ture waan isaaniif hin ta'iniif komee dhiyeessu. Yoo xiqate walakkaan” Mohaarii” yookaan” Horii durbi ittiin kaadhimatamte” intala kaadhimatamteef akka ta'utti dosee warra Huuriyaa keessa ka'ama. Ta'u iyyuu Laabaan miindaa Yaaqoob hunda isaa ni fixe. Lakk. 15 ijoolleen Laabaa lamaan (dubartoota Yaaqoob), sassataa fi dhimma kan hin qabne ta'uu isaa hubachuu isaanii kan nu argisiisuu dha.

Gaaleen “Nyaatee fixe” jedhu raawwatamaa hin murtaa'inii fi gochima INFINITIVE ABSOLUTE fi IMPERFECT VERB hundee wal fakkaataa iraa (BDB 37, KB 46), innis cimina kan argisiisuu dha.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:31:17-21

¹⁷ Ergasii Yaaqoob ilmaan isaa fi dubartota isaa gaala irra ka'atee ni ka'e; ¹⁸ inni horii qe'ee hundumaa, mi'a manaa isa argate hundumaas, horii qe'ee qabeenya isaa keessaa warra Phaadaan-Aaramitti horate hoofatte gara biyya Kana'aan, gara abbaa isaa Yisahaq dhaquudhaaf ni ka'e. ¹⁹Laabaan hoolota irraa rifeensa murmurachuu dhaqee ture; Raahelis Waaqayyo tolfamaa isa kan abbaa ishee mana keessa ni ka'atte; ²⁰ Yaaqoob akka baqachuu yaade isatti himachuu dhiisuu isaatiin, Laabaaniin namicha biyya Aaram sana garaa-nyaachise. ²¹Inni wanta qabu hundumaa wajjin baqatee, laga Ifiraaxiis ni ce'e; fuula isaas gara tulluu Giliyaaditti ni qajeelfate.

31:17 “Yaaqoob ilmaan isaa fi dubartota isaa gaala irra ka'atee ni ka'e; “ka'umsi isaanii ariitiin ta'uu irra iyyuu darbee maatiin isaa gala yaabbachuu malee, deemsichaaf ga'oo miti.

31:18 “inni horii qe'ee hundumaa hoofatte”“hoofatte” jechi jedhu (BDB 642, KB 675) horiin ariitiidhaan hoofamee isaanii kan argisiisuu dha. Akka walii galaatti kan isaa deeman ho'a aduu baqachuu irraa kan ka'e halkaniin ture.

31:19 “Laabaan hoolota irraa rifeensa murmurachuu dhaqee ture” yeroon hoolota irraa rifeensa muran yeroo hafeerraa guddaa fi firootni itti wal arganii dha (Uma. 38:12; I Saam. 25:4 fi II Saam. 13:23). Dhibamuun Yaaqoob hiika qaba, innis walitti dhufeenyi isaanii laafuu isaa argisiisa.

■ “Raa'elis Waaqayyo tolfamaa isa kan abbaa ishee mana keessa ni ka'atte” akka jecha Warra Ibrootaatti” waaqa-tofamaa mana keessaa” *teraphim* jedha (BDB 1076). Waaqolii tolfamoon mana keessaa kun baay'ee guddaa ta'uu ni danda'u (I Saam. 19:13) yookaan immoo baay'ee xiqqoo, kooraa gaalaa Raahel jala dhokachuu kan danda'u (lakk. 34). Barreffama Gabatee Kuunuz irraa akka hubatnutti waaqani-tofamoon mana keessaa kun mallattoo mirga dhaaltummaa argisiisu, Raahel kan isheen hattee kaate akka fakkeenyaatti, akka hubatnoo isheetti, hojii abbaan ishee dhaala ishee ilaalchisuudhaan seera ala raawwate, yookaan booddeetti mucaan ishee qabeenyaa Yaaqoob dhaalu akka danda'uuf. Namootni tokko tokko akka jedhanitti hattee ka'uun ishee Laabaan eessa akka isaan jiraniif akka itti hin xibaarreef jetteeti (jechuunis, Raashii, 30:27). *Teraphimekeraa* dubbisuuf fayyadu turan (Zakk. 10:2). Isaan yeroo mara kan isaan argaman” Eefud” waliin (Abbo. 17:5; 18:14-20 fi Hos. 3:4). Isaanis akka waaqa-tofamaa waaqessuu dhorkamaniiru (I Saamu. 15:23).

Mata duree addaa: *Teraphim*

Kakuu Moofaa keessaa kutaalee tokko-tokko ibsa bal'aa itti kennuun ni rakkisaa dha.

1. Xiqqoo fi asii fi achi fuudhun kan danda'amu waaqa-tofamaa mana keessaa, Uma. 31:19, 34, 35
2. Waaqa-tofamaa booca namaa qabu, I Saam. 19:13, 16
3. Waaqa-tofamaa mana keessatti fayyadan, garuu bakka waaqeffannaattis, Abbo. 17:5; 18:14, 17, 18
4. Waa'ee waan gara fuula duraa baruuf waaqolii tolfamoo dhimma baasan yookaan fedhe waaqolii tolfamoo
 - a. Kan dhorkamanii fi garee ekeradubbiftuutti kan ramadaman, I Saam. 15:23
 - b. Kan dhorkamanii fi garee ekeradubbiftuu, ekeraa, fi garee waaqolii tolfamootti kan ramadaman 2Moot. 23:24
 - c. Kan dhorkamanii fi garee ekeradubbisuu (haasofsiisuu), xiyyoolii gad naquu, tiruu horii qalamee ilaaluutti ramadamaniiru, Hisq. 21:21
 - d. Kan dhorkamanii fi garee warra hooda dubbatanii fi raajii sobduutti ramadamaniiru, Zakk. 10:2

31:20

NASB, NET,

NRSV, NIV,

TEV

NKJV

NIV NJB

NREB

JPSOA

LXX

“Yaaqoob gowwomsee”

“Hatamee”

“Abshaalomee”

“Dhokatee”

“Dukkana da’oo godhatee”

“Dhimmicha dhoksee”

Akkuma Raahel *teraphim*, “hatte”, Yaaqoobis akksuma yaada Laabaa” hate” (BDB 170, KB 198, *Qal* IMPERFECT) innis tooftaa gowwomsuudhaaf godhame.

■ “Laabaa nama sanyii Sooriyaa” “Nama Sooriyaa” hiikamuu kan danda’u” nama Aaraam” isa jedhutti ta’a (BDB 74). Laabaan nama Aaraam jedhamee waamamuu isaatii fi Yaaqoob Kes. 26:5 irratti bifa wal fakkaatadhaan waamuu isaatiif, firooma sirrii qabaachuun isaanii dhugummaa hin qabu. tAkka oora idda sanyii dhalootaa Uuma. 10 irra jiruutti kun idda sanyii dhalootaa lama fakkaata, garuu firoomni isaan karaa gaa’elaa qaban waliin akka lakkaa’aman isaan taasiseera ta’a, yookaan teessuma lafaa Abrahaam dur keessa jiraachaa ture ka’umsa godhachuudhaan (Kaaraan

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:31:22-24

²² Yaaqoob akka baqate gaafa guyyaa sadaffaa Laabaanitti himame; ²³ Inni yommuu namoota aantii isaa fudhatee, guyyaa torba Yaaqoobiin ari’ee, Giliyaad biyya tulluu gubbaatti isaatti ni dhiyaate. ²⁴Waaqayyo garuu halkan abjuutti Laabaan nama biyya Aaram sanaa bira dhufe, “Gaarii malee hamaa Yaaqoobitti akka hin dubbatne of-eeggadhu!” jedheen.

31:22 “Yaaqoob akka baqate gaafa guyyaa sadaffaa Laabaanitti himame” Uuma. 30:36 irraa akka hubatnu, karri Laabaa fi Yaaqoob gidduu deemsa guyyaa sadi’iitu ture, kanaaf hojjetaan isaa deemuu Yaaqoob argee, battalumatti Laabaatti himuu dhage (BDB 616, KB 665, *Hophal* IMPERFECT).

31:23 “Giliyaad biyya tulluu gubbaatti” yeroo gabaabduu kana keessatti lafa amma kana adeemuu isaanii kana irratti morkiitu jira. Ta’e iyyuu, kan dubbataatti jirru, waa’ee dirqama adeemsa guyyaa kudhanii ti. Fageenyi lafichaa inni sirriin hi beekamu, tilmaamaan maayilii 250 fi 350 (Kiilo meetirii 402 fi 563) gidduu ta’a, sababiin isaas (1) Karri Yaaqoob kan isaan turan Sooriyaa bakka kam akka ta’e waan hin beekneef, (2) daangaa Giliyaad gara Ba’aa waan hin beekneef.

Laabaan namoota hidhatoo lakkoobsa hedduu qaban fudhateeti kan dhufe (29). Ariisaan isaa” ariisaa aarii” ti (BDB 196, KB223, *Qal* PERFECT) lakk. 36 keessatti.

31:24 “Gaarii malee hamaa Yaaqoobitti akka hin dubbatne of-eeggadhu!” kun tooftaa haasaa Warra Ibrootaa ti, kunis” Isa raawwattee dhiisi” isa jedhuu dha. Ammas surraanii fi eegumsi Waaqayyoo maatii abbootaa oolchuudhaaf ifatti mul’ata.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:31:25-32

²⁵ Laabaan Yaaqoobiin ni qaqqabe; Yaaqoob biyya tulluu gubbaa sana keessa dunkaana isaa dhaabbatee ture; Laabaanis namoota aantii isaa wajjin Giliyaad biyya tulluu gubbaa sana keessa dunkaana isaa ni dhaabbate. ²⁶Laabaan achitti Yaaqoobiin, “Ati na sossobdee intaloota koos akka waan billaadhaan booji’amaniitti fudhattee sokkuu keetiin maal gochuu kee tii? ²⁷Ati maaliif dhoksaatti baqatte? Maaliifis na sossobde? Ani gammachuudhaan, weedduudhaan, dibbee fi kiraaraan akka ani si geggeessutti maaliif anatti himuu diddee? ²⁸Maaliifis akka ani intaloota koo fi ijoollee koo dhudhungadhee nagaa itti hin dhaamne goote? Egaa kana ati gowwummaadhaan hojjette. ²⁹Si, namoota kees miidhuu illee nan danda’a ture, garuu Waaqayyo inni kan abbaa keetii eda halkan, ‘Ati gaarii alee hamaa yaaqoobitti akka hin dubbanne of eeggadhu!’ naan jedhe; ³⁰adeemuu illee ati mana abbaa kee baay’iftee waan yaaddeef adeemte ta’a, garuu waaqayyoolii koo immoo maaliif hattee?” jedhe ³¹Yaaqoob immoo deebisee,

“Intaloota kee hundumaa ana irraa fudhatta jedheen waanan sodaadheef, utuu sitti hin himin nan sokke; ³²Yaaqoob akka Raa’el waaqayyolii Laabaan hattee turte waanan hin beekiniif, namni ati waaqayyolii kee biratti argattu hafee hin jiraatu; fuula aantii keenyaa kana duratti mi’a koo keessaa ilaaltee, yoo argatte fudhadhu!” jedheen.

31:25 “Yaaqoob biyya tulluu gubbaa sana keessa dunkaana isaa dhaabbatee ture” kun dunkaan dhaabuun Yaaqoob caqafamuun isaa isa jalqabaati, deemsi duraa dirqama waan tureef dhaabuuf isaaniif hin iyyamne. Yaaqoob nageenya isaanii eeggachuudhaaf waan baay’ee fagaate itti fakkaatee ture.

31:26-30 Ani kana kanan hiiku, hakuuca inni ta’e Laabaan himannaa haqa hin qabne Yaaqoob irratti dhiyeessuu isaa ti. Wantootni hedduun isaa Laabaan kan himate, haqa dhugaa waliibn deemu miti. Laabaan akka isatti fakkaatutti, firootni isaa dhaga’anii murtii akka kennaniif, dhimmicha mul’inatti dhiyeessuu dha.

31:27 Laabaan kan jedhu Yaaqoobiif akka waan hafeerraa dhiyeessee ti. Yaaqoob hafeerraa Laabaa isa dhumaa yaadate (jechuunis, galgal gaafa Liyaa isaaf kennee)! Inni lammaffaa” hafeerraa” abbiyyuu isaatii kamiin iyyuu hin barbaadu.

31:28 “Egaa kana ati gowwummaadhaan hojjette” jechichi (BDB 698, KB 754, hiifili raawwatamaa) yeroo mara Macaafa Qulqulluu keessatti kan inni itti dhimma ba’amu haala cubbuu fi yakka waliin wal qabateedhaan (1Saaam. 13:13 jireenya Saa’ol, akkasumas 2Saaamu. 24:10, jireenya Daawwit). Laabaan deemsa isaatiif Yaaqoobiin komachuun isaa yaada cubbuu of keessaa qaba.

31:29 “Si, namoota kees miidhuu illee nan danda’a ture, garuu Waaqayyo inni kan abbaa keetii eda halkan, . . . of eeggadhu!’ naan jedhe”, gaaleen” nan danda’a” jedhu (BDB 42) akka hundee jechaatti” El” jecha jedhu wajjin wal sima (*El* (BDB 42) yookiin *Elohim* (BDB 43). Hiikni hundee jecha” El” jedhuu” jabaa ta’uu” jechuu akka ta’e kan yaada nuuf kennu lakkoobsa kana qofa. Waaqayyo abjuudhaan Laabaa of eeggachiiseera, duratti akkuma Fara’ooniin of eeggachiisee ture (dha’ichaan, 12:17, fi mul’ata dabalataa, garuu akkamitti akka ta’e hin galmeeffanne) fi Abimelek (20:3). Waaqayyo gooftaan (Yaaween) maatii kakuu isaatii miidhaa irraa eegaa ittisaas jira.

31:30” **adeemuu illee ati mana abbaa kee baay’iftee waan yaaddeef adeemte ta’a**” yaada jabaatoo gosa lamatu jira, lakkoobsa Laabaan itti dubbate kana keessa.

“adeemte ta’a, “ raawwatamaa hin murtaa’inii fi gochima raawwatamaa idda wal fakkaataa irraa BDB 229, KB 246, “Deemi”)

1. “baay’iftee waan yaaddeef, “INFINITIVE ABSOLUTE fi gochima raawwatamaa, PERFECT VERB idda wal fakkaataa irraa (BDB 493, KB 490)
2. “baay’iftee waan yaaddeef” jechi jedhu (BDB 493) Innis” fedhiidhaaf” jecha baay’ee jabaadha. Laabaan waan Yaaqoob deemeef himachuun isaa, akka isa jaallatuuf sababii sirrii miti, hakuuca, waliin dha’aa, hamaa fi dhuma irratti immoo jal’aa ta’uu yaada Laabaati malee.

☐“**garuu waaqayyolii koo immoo maaliif hattee?**” inni jedhu 31:19 kan argisiisuu dha. Waaqayyoliin mana keessaa kun waaqeffannaa warra ormaa keessatti dhaalaa fi badhaadhummaa waliin kan wal qabatani yeroo ta’u Laabaan deemsa Yaaqoob badiisa badhaadhummaa isaatii fi dhibuu dhaalaa waliin ilaale, akkasuma ajaja/ qajeelfama waaqayyolii tolfamoo mana keessaa (jechuunis, Teraafiim).

31:32 “Yaaqoob akka Raa’el waaqayyolii Laabaan hattee turte waanan hin beekiniif. Lakk. 32 Seera Hamuraabii calaqisiisa, mana qulqullummaa keessaas ta’e waaqayyolii mana keessaa nama hate wajjin wal qabatee. Akka warri Raahel (Uuma. Raa. 74:4) jedhanitti, du’a Raahel isa yeroo Beniyaam dhalate, Uuma. 35:14-18 keessatti barreeffame jecha Yaaqoob lakkoobsuma kana irratti dubbate wajjin wal sima. Kun dhugaamatti sagalee seera qabeessa (jechuunis, bakka firootni keenya jiranitti). Xiyyeeffattuu lama qaba.

1. Agarsiisi (kallattiidhaan, “qoradhu, “ 37:32; 38:25), BDB 647 I, KB 699, *Hiphil* IMPERATIVE
2. Fudhadhu (“ofii keetii deebisii fudhadhu”), BDB 542, KB 534, *Qal* IMPERATIVE

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:31: 33-35

³³ Laabaan dunkaana Yaaqoob, dunkaana Liyyaas lixee, darbees dunkaana xomboreewwan lamaanii lixe; garuu waaqayyolii isaa hin argine; dunkaana Liyyaa keessaa ba’ees kan Raa’el ni lixe.

³⁴Raa’el immoo waaqayyolii mana keessaa fuutee kooraa gaalaa jala keessee irra teesse; Laabaanis waanuma dunkaanicha keessa ture hundumaa qaqqabee ni ilaale; garuu waaqayyolii isaa hin arganne. ³⁵Isheenis abbaa isheetiin, “Garaa dhukKBbiin anatti dhufnaan, siif ka’uu waanan dadhabeeff, ati gooftaan koo anatti aartee hin boba’in!” jette; inni akkasitti yoo fonqolche iyyuu waaqayyolii mana keessaa sana hin argine.

31:33 “Laabaan dunkaana Yaaqoob, dunkaana Liyyaas lixee, “ kun akka seenaatti dubartootni dunkaana adda keessa akka ta’an kan argisiisuu dha.

31:34 “kooraa gaalaa” jechi kun (BDB 468), asi qofaa keessatti kan argamu, agarsiisuu kan inni barbaadus kiisii kooraa sana jala jiru argisiisuu barbaadeeti (TEV, REB).

■ “Laabaanis waanuma dunkaanicha keessa ture hundumaa qaqqabee ni ilaale” “barbaade” jechi jedhu hiikni isaa” of eeggannoodhaan harkaan qaqqabani barbaaduu dha” (BDB 606, KB 653, *Piel* IMPERFECT) Innis namootni qaro dhabeeyyiin akka godhaniif kan itti dhimma ba’amuu dha (Kees. 28:29; Iyyo. 5:14; 12:25).

31:35 “Garaa dhukKBbiin anatti dhufnaan” kun dhiigni ji’aan dubartiitti dhufu isheetti dhufuu isaa argisiisa (BDB 202 caasawaa BDB 61). Innis Lew. 15:19 akka hubatnutti kan waliin wal qabatee maqaa aadaa tokko-tokko kan hin waamne ni jiru. Ta’e iyyuu, attamittiin seerota Lewoota kana deebifnee Laabaa fi Yaaqoob waliin akka walitti fidnu ifaa miti, garuu maaliif Raaheliin kaasuu akka inni dhiise sabootni dirqisiisoo ta’an jiraachuu ni danda’au

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:31:36-42

³⁶ Yommu Yaaqoob aaree, Laabaanitti oriye, “Maalan balleessee? Cubbuun koo inni ati faana dhooftuu na ariyaa dhuftes maali? ³⁷ Mi’a koo hundumaa keessaa yoo fonqolchite iyyuu mi’a manaa kee hundumaa keessaa maalfaa argattee? Yoo jiraate, isaan nu lamaan gidduutti akka faradaniif, aantii koo fi aantii kee kana dura kaa’i! ³⁸ Ani waggoota digdaman si bira ture; kana keessatti hoolonni fi re’onni kee warri dhaltuun hin gatanne; karbiyyii bushaayee keetiis ani hin nyaanne. ³⁹ Horii warra bineensi caakkaa cabsee, har’ina isaa ofitti nan lakkaa’e malee, fidee sitti in argisiifne; warra guyyaa butaman, warra halkan butamanis, ati harka koo keessaa eegatte. ⁴⁰ Ani akkasitti nan ture; guyyaa ho’aa isaa, halkanis qorra isaatu na waxala; hirribnis ija koo irraa ni baqate. ⁴¹ Waggaa digdamman kan ani mana kee keessan ture; waggaa kudha-afur intaloota kee lamaaniiif, waggaa ja’a immoo bushaaye keefan siif hojjedhe; atis kana keessatti gatii dadhabii koo si kudhan geddarte. ⁴² Waaqayyo inni kan abbaa kootii, Waaqayyo inni kan Abrahaam, inni Yisahaq safeeffatu utuu gara koo goruu dhaabaatee, ati amma harka koo duwwaa na ergita turte; Waaqayyo garuu gad deebi’mmaa koo fi halkan itti dadhabee hojjechuu koo argeee, eda halkan si ifate” jedheen.

31:36 “Yaaqoob aaree, “ gochimi kun (BDB 354, KB 351, *Qal* IMPERFECT) hiikni isaas” boBa’uu “ jechuu yeroo ta’u, dheekkamsa namaa ibsa (4:5, 6; 30:2; 34:7; 39:19).

■ Laabaa komate” gochimi kun (BDB 936, KB 1224, *Qal* IMPERFECT) hiika seeraa qaba (lakk. 37). Karaa Laabaa Yaaqoob irra miidhaan ga’eera, amma Yaaqoob firoota isaa duratti gaaffillee murteessoo ta’an gaafachuudhaan dugda deebisaafii jira.

1. “Maalan balleessee?” (lakk. 36)
2. “Cubbuun koo... maali?” (lakk. 36)
3. “maalfaa argattee?” (lakk. 37)

Haala qabatamaa ta’een namootni kun haala warra tikfattee irraatti kan hundaa’e sirna murtii ofii isaanii qabu. Sababii kana ta’eef wal-dhabiinsa jirutti murtii kennuu danda’u (lakk. 37).

31:38-42 Yaaqoob mala tikummaa isaatii fi hojiif murataa ta’uu isaa ibse (fuula firoota isaa duratti).

1. Re’onnii fi hoolotni hin gatatne
2. Isa bineensi caakkaa cabse ofii isaatti lakkaa’a ture
3. Kun hundinuu aadaa bar asana ture waliin kan wal simuu dha, innis seera Hamuraabii irra kan jiruu dha (Keewwata 266).

31:42 “Waaqayyo inni kan abbaa kootii, Waaqayyo inni kan Abrahaam, inni Yisihag” gaaleen kun” Sodaa Yisihag” boqonnaa kanaaf adda kan ta’ee dha, yeroo lamas itti dhimma ba’ameera (lakk. 53). Innis Waaqayyo isa Yisihag waaqeffatu yookaan safeeffatu kan argisiisuu dha. Arki’ologistii Amerikaa kan ta’e, Olbrayit akka jedhetti jechi” Sodaa” jedhu itti fayyadama jecha” fira” jedhu waliin kan wal simuu dha, afaanota isa waliin deeman waliin (Afaan warra Aaraam, Arabiffa fi Ugaariffa) kanaaf hiikamuu kan qabu” Firoota Yisihagitti” isa jedhuu dha, malli ittiin ibsamuu danda’u inni kan biraan” Waaqayyo abboota kootii” yoo ta’e iyyuu kun qabatamaa miti.

■ **“harka koo duwwaa na ergita turte”** Yaaqoob horiif sassataa ta’uu Laabaa ubateera, akkasumas immoo jiraachuu Waaqayyoo. Kunis lakk. 42 gaalee dhumaa irratti ni mul’ata, yeroo Laabaan abjuu Yaaqoob caqase, innis lakk. 24 fi 29. Waaqayyo dursee murtoo kenneera!

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:31:43-55

⁴³Laabaan deebisee Yaaqoobiin, “dubartoonni kun intaloota koo ti, ijoolleen kun ijoollee koo ti, bushaayeen kunis bushaayee koo ti, wanti ati argitu hundinuu kan koo ti, garuu ani har’a intaloota koo kanaafi ijoollee isaanii warra isaan da’aniif maal gochuun danda’a? ⁴⁴Kottu, ammas anii fi ati kakaadhan walii hin gallaa, innis sii fi ana gidduutti dhugaa Ba’uu dhaaf haa ta’u!” jedhe. ⁴⁵Yaaqoobis dhagaa tokko fuudhee utubaa seenaa godhee ol qajeelchee ni dhaabe; ⁴⁶Yaaqoob aantii isaatiin, “dhagaa walitti qabaa!” jedhe; isaanis dhagaa fidanii tuulani, isa irratti ni nyaatan. ⁴⁷Laabaan afaan Aaramitti, “Yegaar-sahadutaa” jedhee tuullaa sana ni moggaase; Yaaqoob immoo afaan Ibratti” Gaal-Ed” jedhee ni moggaase. ⁴⁸Laabaan, “Tuullaan kun har’a sii fi ana gidduutti dhuga baatuu dha” jedhe; kanaaf” Gaal-Ed” jedhee isa moggaase. ⁴⁹Akkasumas, “Waaqayyo yeroo nuyi walittii gargar baanutti sii fi ana gidduutti eegduu haa ta’u!” waan jedheef, “Maqaan isaa Miisiphaadhas” jedheera. ⁵⁰Itti danbalees, “Ati intaloota koo kana yoo rakkifte, intaloota koo irrattis yoo fuute, namni nu bira yoo jiraachuudhaa baate illee Waaqayyo sii fi ana gidduutti akka dhuga’aa ba’u yaadadhu!” jedhe. ⁵¹Laabaan itti dabalee Yaaqoobiin, “Tuullaa kana, utubichas isa ani sii fi ana gidduutti dhaabe ilaali! ⁵²Tuullaan kun dhugabaatuu dha, utubichis ani tuullaa kana akkan sitti hin darbine ati miidhaadhaaf tuullaa kana, utubaa kanas akka anatti hin darbineef dhugabaatuu dha. ⁵³Waaqayyo inni kan Abrahaam, Waaqayyo inni kan Naahor, Waaqayyo inni kan abbaa isaanii ni gidduutti ni farada” jedhe; Yaaqoob akkasitti isa abbaan isaa Yisihag safeeffatuun ni kakate. ⁵⁴Yaaqoob biyya tullootaa irratti aarsaa dhiyeessee, aantii isaas buddeena akka nyaataniif waame; isaanis buddeena nyaatani halkan guutuu achi turan. ⁵⁵Laabaan ganama bariidhaan ka’ee, ijoollee isaa, intaloota isaas dhudhungatee, isaan ni eebbise; kana booddee Laabaan isaanittii gargar ba’ee gara iddoo isaatti ni deebi’e.

31:43 Laabaan komee Yaaqoobiif deebii kennuu yaale.

31:44 “Kottu, ammas anii fi ati kakaadhan walii ni gallaa, innis sii fi ana gidduutti dhugaa Ba’uu dhaaf haa ta’u!” Laabaan kakachuudhaaf waadaa kan seene yoo ta’e illee, dhagaa seenaa sana kan dhaabe Yaaqoobii dha (lakk. 45, {28:48 ilaali}, lakk. 51 irratti Laabaan akka waan dhaabeetti yoo dubbate illee), akkasumas firootni isaanis dhagaa kakuu sanatti naannessanii dhagaa dhaabaniiru. Nyaatni Kakuu Moofaa keessaa yeroo mara kakuu taasisuu waliin wal qabatee jira.

Akkaataa seer-luga lakkoobsa kanaa

1. “Kottu” BDB 229, KB 246, *Qal* IMPERATIVE
2. “Kakaadhaan waliif haa gallu” BDB 503, KB 500, *Qal* COHORTATIVE, (kallattiidhaan”Kutuu, “ mata duree addaa 13:15 ilaali)
3. “dhugaa Ba’uu dhaaf haa ta’u!” BDB 224, KB 243, *Qal* PERFECT, yaadni isaa diinummaatti akka wal hin ilaalleef raga dhaabbataa dha (lakk. 52).

31:47 As maqoota lamatu jiru. Inni jalqabaa nama Araamticha (BDB 1094 CONSTRUCT BDB 1113) . Inni lammaffaan immoo Ibicha (BDB 165). Tuullaa dhagaa kna argisiisan cinaayota. Yooqoob iddoo sana” Gaal-Ed” jedhee moggaaseera (BDB 65, “Dhagaa tuullaa duga baatuu”), innis eessa akka buufatanii wajjin kan walitti dhufuudha (jechuunis, “Gaal-Ed” BDB 166, “Marsaa dhagootaa” yookaan” Marsaa Tullootaa”.

Afaan abboota yeroo sanaa Araamiffa ta'uu isaatiif morkii hedduutu jira. Innis kan fakkaatu, Araamiffi Mesophotomiyaa, biyya Abrahaam jiraachaa turetti kan dubbatamaa ture yeroo ta'u, garuu akka Warra Ibrootaatti kan beekamu, Abrahaam erga Kana'aaniin jiraachuu eegalee akkaataa dubbatnaa Araamiffaa uumeera. Kunis hubannoo waa'ee xinqoonqa (sirna afaanii) afaan kana irratti qabnu gara boodeetti nu deebisa.

31:49 “**Miisiphaa**” jechi “**Miisiphaa**” jedhu (BDB 859) lakk. 49 irraa jecha Warra Ibrootaa yeroo ta'u, innis waa'ee” Iddoo dhaabatanii eeggatanii” ti, kanaaf egaa achitti akka namaatti kan dubbatame, namoota kana lamaan gidduutti Waaqayyo dhuga baatuu dha jechuudhaaf (BDB 859, KB 1044, hunde jabeessituu Miisiphaa waliin kan wal fakkaate). Anaan kan na ajaa'ibu Laabaan haala kanatti fayyadamee, Yaaqoobiin mormuudhaaf haala jiru firoota isaanii duratti dhiyeessuu isaa ti, kunis walumaa galatti fayidaa hin qabu. Kanaaf fakkeenya dubartii kan biraa akka hin fuune jechuu isaa ti. Akka lakk. 31 irratti argamu Liyaadhaa fi Raaheliif akka dhimmu kan argisiise Yaaqoob malee Laanbaa miti.

31:53 “**Waaqayyo inni kan Abrahaam, Waaqayyo inni kan Naahor, Waaqayyo inni kan abbaa isaanii ni gidduutti ni farada**”“asitti gochimi isaa dacha dha (BDB 1047, KB 1622, *Qal* IMPERFECT, kan hin raawwatamin bifa cimsuutiin kan gale), innis ibsuu kan fedhu Laabaan waaqayyolii hedduu akka waaqeffatu ibsa kennuu isaati. Sapto'aUma. ti asitti gochima qeenxee fayyadama. Macaafni Seera Uumamaa agarsiisuu kan inni fedhu Nahoor osoo hin taane, Abrahaam Waaqayyo gooftaa (Yaawee) waaqeffatu ta'uu isaa ti. Kunis kan ta'uu danda'u waliigaltee waaqayyolii maatii hedduutiin ta'e akka ta'e caqasuu barbaadeeti. Garuu Yaaqoob qofti maqaa Waaqayyo isa kan abbaa isaatii, Waaqayyo gooftaa (Yaawee) tiin kakachuu isaa hubadu (“Sodaa Yisihaq”).

Gaaffiiwwam mree

Kun qajeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan.

1. Boqonnaa kana keessatti akka hakuucaatti kan mul'ate eenyuu dha?
2. Karaa Laabaan ittiin Yaaqoob akka hin deemne taasise tarreessi.
3. Karaawwan Yaaqoob amanamummaadhaan deeme tarreessi.
4. *Teraafiim maaliidha* (lakk. 19)? Kaayyoon isaas maal ture?
5. Komeewwan Laabaa lakk. 26-30tti jiran tarreessi, akkasumas dhugaa hammamii fi soba hammamii akka qabu argisiisi.
6. Raahel maaliif waaqa-tolfamaa mana keessaa isa kan Laabaa hatte?

SEERA UUMAMAA 32

HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

NASB	NKJV	NRSV	NET	NJB (follows MT)
Yaaqoob Eesawuun sodaachuu isaa	Eesaaw dhufe	Yaaqoobiin simachuu araaramuu (32:1-33:20)	Yaaqoob Eesaw wajjin qophaa'e	Yaaqoob Eesawuun wajjin walsimanna qabuuf qophaa'e
32:1-2	32:1-8	32:1-2	32:1-2	32:4-7
32:3-5		32:3-5	32:3-5	32:8-14a
32:6-8		32:6-8	32:6-8	
32:9-12	32:9-12			
32:13-21	32:13-21	32:9-12 32:13-21	32:9-12 32:13-21	
32:22-23				32:14b-22
Yaaqoob wallaansoo qabe	Waaqayyoo wajjin qabuu	wallaansoo 32:22-32	Yaaqoob Phini'eelitti wallaansoo qabe	Yaaqoob Waaqayyoo wajjin wallaansoo qabe
32:24-32	32:22-32		32:22-24a 32:24b-26a 32:26b 32:27a 32:27b 32:28 32:29a 32:29b 32:30-32	32:23-25a 32:25b-30 32:31-32

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula vii irraa)

SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni

Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

QO'ANNAA JECHAA FI GAALEE

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:32:1-2

¹ Yaaqoob karaa irra bu'ee utuu adeemaa jiruu, ergamoonni Waaqayyoo isatti dhufan. ² Yommuu isaan arges Yaaqoob, “Kun buufata Waaqayy ti” jedhee, maqaa iddoo sanaa Mahanaayimitti ni moggaase; {“Mahanaayim” jechuun” Buufata lama” jechuu dha}.

32:1

NASB, NKJV,
NRSV, NET
NJB, JPSOA

“Walitti dhufuu”
“itti dhufe”

Gochim kun (BDB 803, KB 910, *Qal* IMPERFECT) akka tasaa walitti dhufuu kan argisiisuu dha (Niidoot, jildii 3^{ffaa} fuula 575, fakkeenya, See. Ba'uu . 23:4; See. Lakk. 35:19, 21; Iya 2:16; I Saamu. 10:5; Amos 5:19).

Lakkoobsi gabaabaa fi wal-fakkaataan kun hanga tokko lakk. 22-32 waliin wal-qabatee jira. Inni wallaansoo isaan qabu kun ergamaa akka ta'e ifaadha, innis Yaaqoobiin ibbisuudhaa fi maqaa isaa jijjiirguudhaaf qaama human qabuu (Yaawee biraa kan dhufe) dha.

Rakkoon isaa kan jiru

1. Gaalii jaiqabaa isa walii wallaalchisaa
2. Inni Yaaqoobiin wallaansoo qabaa ture sun, wallaansoo yeroo dheeraa keessatti Yaaqoobiin mo'uu dadhabuu isaa.

■ “Ergamoota Waaqayyoo” yeroo Kana'aani ba'e ergamoota argee jira (28:12), ammas yeroo deebi'u lammaffaa itti mul'atan (2Moot. 6:16-17; Faar. 34:7). Isaanis eegumsaa fi jiraachuu Yaawee mirkaneessu. Innis haala keessa turee fi abdi Waaqayyoo boqonnaa 28 irratti isa abdachiise yaadata. Boqonnaan kun soda fi amantii kan keessatti wal makatee dha. Yaaqoob filannoo kanneen lamaan waliin kan inni wallaansoo eegale!

■ Walitti dhufuu” gochim kun (BDB 803, KB 910, *Qal* IMPERFECT) hiikni isaa” Walitti Ba'uu “ dha. The Anchor Bible Commentary fuula 254) ergamoota kana lakk. 24-32 waliin wal qabsiisa. Kunis boqonnicha dorgommee qaama waaqa irraa wajjin geggeeffameef jalqabaa fi xumura isaa akka ilaali taasisa.

32:2 “Kun buufata Waaqayy ti” “Buufata” jechi jedhu (BDB 334) deemsa irraa boqochuu kan argisiisuu dha. Innis kan ibsuu danda'u buufata waraana hidhatee jiruu ti (Iya. 6:11, 14; I Saam. 4:3, 6, 7; 17:53; II Moot. 7:16) yookaan raayyaa waraanaa ti (See. Ba'uu . 14:24). Jechi” Raayyaa” jedhamee hiikame kun, jechoota hedduu raayyaa waraana Warra Ibrootaa keessaa is tokkoo dha.

■ “Mahanaayim” Kallattiidhaan”Buufata lama” yookaan”Waraana lama” (BDB 334, bifa dacha) jechuudha. Buufatni kun lamaan kan argisiisuu danda’an

1. Laabaa fi Yaaqoobbiin
2. Ergamichaa fi Yaaqoobiin
3. Esaawwu fi Yaaqoobiin
4. Ramaddii maatii Yaaqoob isa hirmame

Yaada walii gala barreeffamicha irraa akka hubannu lakk. 2 ni sima. Yaada walii gala barreeffamicha irraa bal’inaan yeroo ilaallu, lakk. 4 yaalii ofii isaatiitti amanuu amala Yaaqoob kan argisiisuu dha.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:32:3-5

³ Yaaqoobis biyya Se’iir, bakkee Edoomitti gara Esaawwu obboleessa isaatti namoota of dura ni erge; ture; ⁴Yaaqoob warra erge sana abboomee, “Gooftaa koo Esaawwu, ’Ani garbichi kee hamma hammaatti akka nama biyya ormaatti Laabaan bira jiraachaanture; ⁵ ani hojjetootaata dhiiraa fi dubartii, sangoota, harroota, bushaayees qaba; ati faara tolaadhaan akka na ilaaltuuf, si gooftaa kootti nan himadha’ jedheera Yaaqoob jedhaa!’jedhe.

32:3 “namoota of dura ni erge” Afaan Ibraayisxinis (BDB 521) ta’e, afaan Giriikiitti jechi ergamoota jedhu (Akka maqaa Milkiyaas hundee tokko irraa ti) hiikni isaa” Ergamaa kan ta’e” jechuu dha. Akka warri Raabii jedhanitti inni Esaawwu wajjin akka wal arganiif ergamoota isaa of dura ergeera. Lakk. 1 fi lakk. 3 fi 6 irraa” ergamoota” isa jedhu, hundee wal fakkaataa kan ta’e, inn kan Ibraayisxi” Ergamaa isa jedhutti hiikeera.

32:4 “Gooftaa koo Esaawwu, “ jechi” Gooftaa” jedhu as keessatti, ergaa Yaaqoob Esaawuutti erge keessatti gara-laafummaa argisiisuuf itti dhimma ba’ameera.

■ “garbichi kee” Namootni ergaman sun Esaawuudhaan” Gooftaa koo” akka jedhan (BDB 10) akkasumas Yaaqoobiin immoo” Garbicha” yookaan” Hojjetaa” akka jedhaniif itti himame (BDB 713). Yaaqoob ammas Esaawuun hamma isa irratti hin yaadneef sodaateera (Lakk. 7, 11), (Ebba maatii isaatii See. Uuma. 27 irratti waan jalaa hateef).

32:5 Ergaan kun ifatti kaayyoo dacha qaba

1. Sababii dureessa ta’uu Yaaqoobiif
2. Innis qabeenya qabu irraa muraasa Esaawuuf kennuu barbaaduu isaatiin (lakk. 13-21)

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:32:6-8

⁶ Warri ergamanis deebi’anii dhufanii Yaaqoobiin, “Nuyi obboleessa kee Esaawwu bira dhaqneerra, inni sitti adeemuuf ka’eera; namoonni dhibbi afuris isa duukaa jiru” jedhan. ⁷ Yaaqoobis baay’ee sodaatee, yaadaan dhiphate; namoota isa bira jiran, bushaayee, saawwan, gaalotas iddoo lama akka buufatan gargar hire; ⁸ inni, “esaawuun buufata isa tokkotti dhufee yoo rukute, buufatni inni kaan hafee jalaa ni ba’a” jedhee ni yaade.

32:6 “namoonni dhibbi afuris isa duukaa jiru” Esaawwu ergaa Yaaqoobiif deebii hin kennine, namootni dhibbi afur immoo isa waliin jiru. Dhugaamatti kun Yaaqoobiinsodaachisee jira (Lakk. 7).

32:7 Yaaqoob oduu dhaga’eef, deebii inni keessa isaatti qabu hubadhu.

1. “baay’ee sodaatee”
 - a. “sodaatee, “ BDB 431, KB 432, *Qal* IMPERFECT kan hin raawwatamin, 3:10; 18:15; 43:18
 - b. “baay’ee”, dablgoochima (ADVERB) BDB 547
2. “yaadaan dhiphate” BDB 864 I, KB 1058, *Qal* IMPERFECT, innis” dhiphachuu” kan jedhuu dha, Iyyo. 20:22; Isaay. 49:19, inni garuu kan itti dhimma ba’ame” Hafuura dhiphate” (jechuunis, dhiphina”, Abbo. Fir. 2:15; 10:9; II Saamu. 13:2

32:7-8 Yaaqoob haala cimaa isa caaluuf qophaa'e. Ammas ijooon barreeffama lakk. 1 hir'ina amantii isaatii argisiisa. Lakk. 9-12 kadhata kadhateera, garuu ammas galma/xumura isaa argachuudhaaf yaalii taasisaa jira.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:32:9-12

⁹ Kanaaf Yaaqoob, “Yaa Waaqayyo isa kan Abrahaam akaakayyuu koo tii, Waaqayyo isa kan Yisihaq abbaa koo tii, yaa gooftaa koo, situ, ‘Ati biyya keetti lammii keetti deebi’i, anis gaarii siifan godhaa’ naan jedhe. ¹⁰ Gaarummaanii fi amanamummaan ati ana garbicha kee argisiifte kun hundinuu anatti ni guddate; anoo yommuun ba’e ulee koo kana duwwaa qabadheen yordaanos kana ce’e; amma garuu buufata lama guutuu nan ta’e. ¹¹ Amma immoo, ‘Inni dhufee ana, haadhotii, ijoollees ni rukuta’ jedhee waanan sodaadhuuf, ati harka obboleessa koo harka Esaawuu akka ana oolchituuf sin kadhada! ¹² Ati iyyuu, ‘Ani gaarii siif nan godha, sanyii kees akka cirracha galaanaa isa baay’ina isaa irraa kan ka’e lakkaa’amuu hin dandeenye nan godha’ jetteetta” jedhe.

32:9 Akkataa garaa-garaa itti umni waaqa irraa mul’ate hubadhu.

1. “Yaa Waaqayyo isa kan Abrahaam akaakayyuu koo tii” (hla BDB 43)
2. “Waaqayyo isa kan Yisihaq abbaa koo tii”
3. “Yaa Waaqayyo” (hrhy BDB 217)

Mata duree addaa: 12:1 maqaa Waaqayyo waaqa irraa ittiin mul’ate ilaali. Isaan kun hundi kan caqafan Waaqayyo isa kan Abrahamii (12:1; 28:3-4) fi abdii inni 28: 13-17 tti Yaaqoobiif kenneen.

▣ “naan jedhe” kun kan argisiisu 31:13, 29 gara boodaa tti deebi’ee iyyuu 28:15

1. “deebi’I” BDB 996, KB 1427, *Qal* IMPERATIVE, 31:13
2. “gaarii siifan godhaa” BDB 405, KB 408, *Hiphil* COHORTATIVE, lakk. 10, 13; 28:14

32:10 “anatti ni guddate/ anaaf kan hin malu” Kun Yaaqoobiif amantii isa fayyaduudha (BDB 881, KB 1092, *Qal* PERFECT, kan raawwatame, innis bu’aa kan hin qabne ta’uu isaa argisiisuudhaaf, 2 Saamu. 7:19; I Seenaa Bar. 17:17). Kan inni jabeessu ayyaana Waaqyyoo, eegumsa isaa, fi arjummaa isaa irrattii dha!

▣	
NASB	“Gaarummaa yaada garaa”
NKJV	“Arraara”
NRSV; NREB	“Jaalala honnee irraa”
NET	“Gaarummaa”
NJB	“Jaalala amanamaa”
LXX	“Haqa”yookaan”Qajeelummaa”
Peshitta	“Simboo”

Asitti jechi itti dhimma ba’ame *hesed* dha (BDB 338 I), innis amanamummaa kakuu kan argisiisuu dha. Mata duree addaa 19:19 irra ilaali.

▣	
NASB; NRSV;	
NET	“Amanamummaa”
NRSV; LXX;	
TEV	“Dhugaa”
NJB	“Jabaachuu/ iddootii socho’uu dhiisuu”
NREB	“Dhugaa”

Kun jechi Warra Ibrootaa isaatii *emeth* yeroo ta’u (BDB 54); kan inni argisiisus amanamummaa dha. Yeroo hedduu *Hesed* fi *emeth* Kakuu Moofaa keessatti Waaqayyoon ibsuudhaaf wal faana galu. Mata duree addaa 15: 6 irra ilaali.

32:11 “ana oolchituuf” jechi kun (BDB 664, KB 717, *Hiphil* IMPERATIVE) hundee *Hiphil* hiikni isaa” Butanii baasuu”dha akkasumas” Oolchuu” dha.

■ “Inni dhufee akka ana hin miinettii” miidhuu” jechu jedhu (BDB 645, KB 697, *Hiphil* PERFECT), hiikni isaa nama hunda akka malee rukutuu dha (34:30). Yaaqoob sodaa isaa kan ture Esaawuun dhufee sanyii maatii isaa hunda akka hun ajjeefnee dha.

32:12 Yaaqoob kan inni Waaqayyoon yaadachiisu kakuu 28:14 fi 22: 17 irratti abdachiifamee dha. Kun kakuu abbootatti keessa deddeebi’amee dubbatamee dha. Kunis mucaan akka isaaniif kennamuuf raga qabatamaa kan ta’ee dha.

■ “Ani gaarii siif nan godha” Kun kallattiidhaan” Gaarii siif nan godha” jechuudha. Gaaleen kun n raawwatamaa hin murtaa’inii fi gochima hin raawwatamniidha, hudee wal-fakkaataa irraa (BDB 405, KB 408) jabina kan argisiisuu dha.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:32:13-21

¹³ Yaaqoob halkan sana achuma bule; obboleessa isaa Esaawuudhaaf kennuudhaafis waanuma harka isaatti dhufe ni fuudhe; ¹⁴ waan inni kennuudhaaf fuudhes, re’oota dhaltuu dhibba lama, korbeeyyii digdama; ¹⁵ gaalota hoososan ilmoo isaanii wajjin, saawwan afurtama, korommii kudhan, harree dhaltuu digdama, harree wadala kudhan turan. ¹⁶ Innis isaan kana kutata ktataan kophaatti baasee hojjetoota isaatti kennee, “Ana dura darbaa, kutata horii gidduutis lafa hambisaa!” jedhe. ¹⁷ Isa fuula dura jiruun, “Esaawuun obboleessi koo sitti dhufee, ‘Ati kan eenyuu ti? Eessa dhaqxa? Horiin ati ooftee adeemtus kan eenyuu ti?’ Jedhee si gaafata ta’a; ¹⁸ Yommus ati deebiftee, ‘Isaan kan Yaaqoob garbicha keetii ti; kennaa Esaawuu gooftaa kootiif ergamanii dha; kunoo, inni iyyuu booddee keenyaan dhufaa jira’ ni jetta” jedhe. ¹⁹ Isa lammaffaadhaan, isa sadaffaadhaan, warra kutata horii oofan hundumaanis, “Isinis Esaawuu yoo argitan, dubbiiidhuma kana itti himaa! ²⁰ Itti dabalaas, “Kunoo Yaaqoob garbichi kee booddee keenyaan dhufaa jira’ jedhaan!” jedhee gorse; Yaaqoob, “Kennaa ani of dura ergeef kanaan fuula isaatti nan mul’adha, innis ol na qaba ta’a” jedhee kana yaade. ²¹ Inni kennaa sanas of dura dabarsee, ofii isaatii immoo halkan sana iddoo buufataa bule.

32:20

NASB; NKJV,

NRSV; NREB;

TEV

“Nagaan taasisa”

NET

“Nan ho’a”

NJB

“Nan qabbaneessa”

JPSOA LXX

“Nagaan taasisa”

Gochim kun (BDB 497, KB 493, *Piel* COHORTATIVE) kan dhimma itti ba’ame aarsaa dhiiga qulleesuu tiif (Lewo. 4 fi 16). Hiikni bu’uuraa isaatii” Haguuguu” yookaan” Araara gochuu” dha.

■

NASB; NKJV;

NRSV; LXX

“na simadhu”

NET

“Dhiifama naaf godhi”

NJB

“Gara kootti jedhi”

JPSOA

“Faara natty toli”

NREB

“Gaarumaatti na si madhu”

Gochom kun (BDB 669, KB 724, *Qal* IMPERFECT) hiikni isaa” “dhowwachuu” dha. “Fuula dhuwwachuu” inni jedhu kun jechama warra Warra Ibrootaa ti (Iyyo. 42:8, 9; Faar. 82:2; Fakk. 18:5; Faaruu Erm. 4:16). Akka bakka seeraattis abbaan firdii sun firdii kan hin jallisin ta’uun isaa kan beekamu yoo himatamaan sun ol jedhee akka dubbatu taasisee dha.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:32:22-32

²² Yaaqoobis halkanuma sana ka'ee dubartoota isaa lamaan, xomboree warra fuudhe sana lamaan, ijoollee isaa kudha-tokkonuus fuudhee malkaa Yaaboq ni ce'e; ²³ isaan kana erga gamaan ga'ee immoo, deebi'ee wan qabu hundumaa ni ceesise. ²⁴ Inni lafa turetti deebi'ee qophaa isaa achitti hafe; namni tokkos hamma booruun baqaqutti Yaaqoobiin wal'aansoo qabe. ²⁵ Namichis Yaaqoobiin akka hin dandeenye yommuu arge, wal ga'ii luka isaa jabeessee ni qabe; Yaaqoobis amma iyyuu namicha wal'aansoo qabuutti utuu jiruu chuuphiin isaa iddoodhaa kaate. ²⁶ Namichis Yaaqoobiin, "Boruun baqaqera, gad na dhiisi!" jedhe; Yaaqoob immoo deebisee, "Yoo ana eebbifte malee, ani gad si hin dhiisu" jedhe. ²⁷ Namichis, "maqaan kee eenyu" jedhee isa gaafate; innis deebisee, "Maqaan koo Yaaqoob" jedhe. ²⁸ Yommuu namichi, "Ati Waaqayyottis marmite gad dhiisuu diddee dhaabachuu dandeesseetta; kanaafis si'achi maqaan kee Israa'el haa jedhamu malee, Yaaqoob hin jedhamin" jedhe; {"Israa'el" jechuun, "Waaqayyo wajjin wal'aansoo kan qabu" jechuu dha}. ²⁹ Yaaqoobis namichaan, "Adaraa maqaa kee anatti himi!" jedhe; namichis, "Maqaa koo maaliif gaafatta?" jedhee, yommuuma achitti isa eebbise; ³⁰ yommuu Yaaqoob, "Ani waaqayyoon fuulleetti nan arge, garuu lubbuun koo ooleera" jedhe; kanaaf maqaa iddoo sanaa" Pheeni'el" jedhee moggaase; {"Pheeni'el" jechuun, "Fuula Waaqayyoo" jechuu dha}. ³¹ Yeroo biiftuun baatetti, Yaaqoob iddoo" Pheeni'el" jedhamu keessa darbaa ture; inni cuuphiin isaa iddoodhaa waan kaateef ni hokkola ture. ³² Namichi foon sulluuda isaa walga'ii luka isaa irra jiru jabeessee qabee waan butu chief, namoonni Israa'el hamma har'aatti foon sulluudaa isa waga'ii lukaa irratti argamu hin nyaatan.

32:22 "ni ce'e" akka Warra Ibrootaatti hundeen jecha "Ce'uu" jedhu (BDB 716, KB 778, *Qal* IMPERFECT) hundee jecha "Ktani darbuu" jedhu waliin wal fakkaataa dha (BDB 721, Iyya. 2:7; Abbo. Fird 3:28; Isaay. 16:2). Innis karaa dhiphaa ta'een laga ce'uu argisiisa.

■ **"Yaaboq"** hiikaan hidda jecha kanaa "Dhanga'a'uu" dha (BDB 132). Innis sulula gad-fagoo uumeera.

32:24 "namni tokkoswal'aansoo qabe asitti qabe" (BDB 7, KB 9, *Niphal* IMPERFECT) **"Yaaboq"** (BDB 132), akkasumas **"Yaaqoob"** (BDB 784), hundi isaanii yeroo dubbataman qooqa wal fakkaataa qabu. Asitti qaamni Yaaqoobiin wal'aansoo qabe sun **"Namicha"** jedhamee waamame (BDB 35, Ishii, lakk. 6), garuu ijoo yaada walii gala barreefamichaa argamuu Waaqayyoo kan argisiisuu dha (lakk. 28, 30; 18:1-2). Ta'u iyyuu garuu lakk. 26 immoo namichi sun ergamaa akka ta'e argisiisa.

Barreeffamni kun barreeffama warri Lixaa (Awuroppaa) hubachuu hin dandeenyee dha. Kunis qaamni kun namummaa fooniis ta'e bifa fakkeenyummaa qaba. Wal'aansichis fayidaa Yaaqoobiif ture. Haalaa" wal'aansoo" inni Waaqayyoo waliin qaba ture garuu hin ibsu!!

Yaaween yeroo hedduu Yaaqoobitti mul'ateera (28:10-22; 32:22-31; 35:9-13; 46:2-4) sana keessattis kan inni jabeessee dubbatu waa'ee abdiif fi amala Waaqayyoo ti. Dhoksa guddaan (Bantuu) kan jiru Yaaqoob bira miti, garuu Waaqayyoo fi abdiif kakuu ti!

32:25 "akka hin dandeenye yommuu arge," qorannoon *Jewish Study Bible*, Fuula 67), waa'ee aadaa warra Yihudootaa caqasa (See. Uuma. Raabii 77. 3), innis kan jedhu qaamni kun ergamaa Esaawuu eeguu dha, wal'aansoon taasifames warra kakuu sanaan mormaniif akka of-eeggachiisaa ti. Kunis kan ibsuudhaaf yaale, uumamni akka ergamaa nama foonii mo'uu akka hin danda'inii dha. Ta'e iyyuu garuu ergamaan Esaawuu maqaa Yaaqoob gara Israa'elitti jijjiiruu ni danda'a ta'aa?! Kun akkaataa" Hojii Waaqayyoo" ti.

■ **"chuuphiin isaa"** Akka warri Raabii jedhanitti kun kan argisiisu idda dhiigaa sulluuda irra jiru yaroo ta'u, buusaa qaama horii keessaa bakki kun Yihudoota biratti hin nyaatamu (lakk. 32).

32:26 "Boruun baqaqera" kutaa guyyaa keessaa yeroon akkasii yeroo addaa hojii Waaqayyoo jedhamee beekama (NIDOTTE jildii 4, fuula 85). Innis yeroo hedduu seenaa afaan duriin dubbatama.

Akka warri Ibra soda Waaqayyoon arguu qabanitti (16:13; 32:30; See. Uuma. 33:20), boruun tarii eenyummaa qaama Yaaqoobiin wal'aansoo qabee kan ibsuu dha.

■ **"ana eebbifte malee"** Yaaqoob kan inni jajame akkaataa wal'aansoo qabuu isaatiif miti, garuu hirkannaa jabaataa Waaqayyoo irratti sababii qabuuf ture.

32:27 “maqaaan kee eenyu” Kun waa’ee Yaaqoob wallaaluu ergamaa sanaa irraa kan ka’e miti, garuu Yaaqoob hammeenya fi dhiibbaa geggeessuu isaa akka inni yaadatuuf ture.

32:28 “Israa’el” jijjiiramuun maqaa kanaa, bantuu hiika guutummaa barreeffamichaa kan argisiisuu dha. Israa’el jechuun” *El* haa eegu” (BDB 975) yookaan dhiibbaa gochuun yoo ta’e “*El* itti haa ba’u” (Hose. 12:3-4) jechuu dha. Jijjiiramuun maqaa kanaa bantuu hiikaa walii gala barreeffamichaa ti. Israa’el jechuun” *El* haa eedu” (BDB 975) yookaan dhiibbaa gochuudhaan immoo, “*El* itti haaba’u” jechuu (Hose. 12:3-4) dha. Innis kaayyoo Waaqayyooti malee, cimina Yaaqoob miti. Amala nama sanaa waan calaqqisiisuuf, maqaan eenyuu iyyuu warra Ibr biratti fayidaa qaba.

“Israa’el” maqaa jedhuuf maddi inni biraan (lar cy BDB 975) kan dhufe nwrey (“Yishurun” isa jedhu irraa ti, BDB 449, See. Kees. Dee. 32:15; 33:5, 26; Isaay. 44:2), hiikni isaas” Isa qajeelaa” jechuu dha.

Maata duree addaa: Israa’el (maqaa isaa)

- I. Hiika maqaa isaatii murteessuun ni rakkisa (BDB 975).
 - A. *El* isa bara baraa
 - B. *El* isa bara baraa (akkaataa dhiibbaa uumuu)
 - C. *El* isa eegu
 - D. *El* wal’aansoo ni qaba
 - E. *El* ni uuma
 - F. Innis Waaqayyoon wal’aansoo qabeera (See. Uuma. 32:28)
- II. Akkaataa Kakuu Moofaa keessatti itti fayyadamame
 - A. Maqaan Yaaqoob (butaa, koome-qabaa, BDB 784, See. Uuma. 25:26) laga Yabooq birratti erga Waaqayyoon wal’aansoo qabe booda jijjiirame (See. Uuma. 32:22-32; See. Ba’uu 32:13). Maqaan Warra Ibrootaan moggaafamu hiikni isaa yeroo maraa hundee jechaan osoo hin taane (32:28), sagalee hordofee ti. Maqaan isaas Israa’el ta’eera (Fakkeenyaaf, See. Uuma. 35:10).
 - B. Innis gosoota kudha-lamaaniif maqaa walii gala ta’ee jira (Fakkeenyaaf, See. Uuma. 32:32; 49:16; See. Ba’uu 1:7; 4:22; 28:11; See. Kees. Deeb. 3:18; 10:6).
 - C. Innis saba gosoota kudha-lamaan irraa argamu argisiisa, Ba’uu fuula duraa (See. Uuma. 47:27; See. Ba’uu 4:22; 5:2) fi booda (See. Kees. Deeb. 1:1; 18:6; 33:10).
 - D. Bulchiinsa Saa’ol, Daawwitii, fi Solomoon booda gosootni kun gargar hiramaniiru, bara bulchinsa Rehobiyaam (1Moot. 12).
 1. Adda-addummaan kan eegale, mul’inatti gargar hiramun dura (Fakkeenyaaf, 2Saamu. 3:10; 5:5; 20:1; 24:9; 1Moot. 1:35; 4:20)
 2. Gosootni warri kaabaa kan isaan beekaman, hanga Samaariyaan Sooriyaa harkatti kuftutti, Dhaloota Kiristoosiin dura bara 722 (2Moot. 17).
 - E. Yihudaa keessatti bakkeen muraasatti fayidaa kenne (Fakkeenyaaf, Isaay. 1; Miilk 1:15-16).
 - F. Ari’atama Sooriyaa fi Baabiloon booddee, ammas sanyii Yaaqoobiif maqaa walii gala ta’eera (Fakkeenyaaf, Isaay. 17:7, 9; Erm. 2:4; 50:17, 19).
 - G. h. Garaagarummaa Lubootaa fi amantoota gidduu jiru addaan baasuudhaaf (1See. Baraa 9:2; Izr. 10:25; Nahi. 11:3).

■ “**Ana waliin**” Yaaqoob lakk. 30 irratti Waaqayyoon wal’aansoo akka qabaa jirutti yoo hubate illee, inni isa wal’aansoo qabu sun garuu ofii isaatii Waaqayyoo irraa adda akka ta’e argisiisuu waan yaalu fakkaata.

32:29 “Adaraa maqaa kee anatti himi” Biyya Ba’aa ishee dhiyyo durii keessatti maqaan Waaqayyoo dhiyeenyatti eegama, sababiin isaas maqaan sun abaarsaaf, kakaadhaaf, waaqeffannaadhaaf fayidaa waan qabuuf. Kun dhimma Macaafa qulqulluu miti (Abbo. Firi. 13:17-18). Barreeffamoota Macaafa Qulqulluu keessatti Yaaween maqaa isaa saba isaaf ni ibsa (See. Ba’uu 3:13-15). Ta’e iyyuu, hiikni isaa yeoo hedduu kan murtaa’e miti (See. Ba’uu . 6:3 fi See. Uuma. 4:26 wal bira qabii ilaai). Abbo. Fir. 13:18 akka hubachiisutti, innoo” Dinqisiisaadha” namni bira ga’uu hin dandeenyee dha.

32:30 “**Pheeni’e**” “Fuula Waaqayyoo” jechuu dha (BDB 819). Tarii akkaataan barreeffama jecha “**Pheeni’e**” jedhuu iddoo sanaaf maqaa durii ta’uu ni danda’a.

Sirriitti maqaan sun inni Yaaqoobiin wal’aansoo qabe Yaawee ta’uu isaa argisiisa, innis darabee isaa salphaatti mo’uu kan danda’u, garuu ijoo ilaalame Yaaqoob waliin hojjechuuf fedhii qabaachuu isaa argisiisa. Inni diina miti, mul’inatti kan gargaaruu fi eebbisuudha malee.

Irra caalaa akka Seerri Ba’uu 4: 24-26 tti wanti kun haala hedduu kan hin beekamne kan qabuu fi kan hin baramin oduu durii ti. Barreeffamoota hubachuuf nama rakkisan akkasii kana hundee amanttiitiifis ta’e hojiitti geddaruuf itti fayyadamuun baay’ee wallaalummaa dha. Isaanis dhoksaa akka ta’anii fi hiikni isaanii tilmaamuma bar asana ture ta’ee hafuu ni danda’a!

32:31 “**ni hokkola ture**” hokkolli isaa kun yerooma sanaaf haa ta’u yookiis kan itti fufe ta’uu isaa beekamaa miti (aadaa Yihudoota gara boodaa keessatti).

32:32 “**hamma har’aatti**” kun isa booddeettiif ragaa barreeffamaa sirreessituu dha. Bu’aa dhagna horii nyaachuu dhorkamuun kan warra Raabii ti malee Macaafa Qulqulluu miti.

Gaaffiiwwan Maree

Kun qajeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan.

1. Inni wal’aansoo qabe eenyu ture?
 - a. Nama (l akk. 24)
 - b. Ergamaa (lakk. 26, Hose 12:3-4)
 - c. Waaqayyo bifa namaan (akk. 30)
 - d. Yesuus (Maartiin Luuter, Jastiiniin hordofuudhaan)
2. Ergamoonni lakk. 1 irratti argaman kutaama kanaa keessaa iddoo biraa eessatti argamu?
3. Warreen Yaaqoobiin wal’aansoo qaban kun (Jechuunis, Ergamichaa fi Esaawuu) maliif Yaaqoobiif arbaachisoo ta’an?
4. Maqaan isaas maaliif jijjiirame?

SEERA UUMAMAA 33

HIKAA HAARAA KEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA 'E

NASB	NKJV	NRSV	NET	NJB (follows MT)
Yaaqoob Eesaawun quunname	Yaaqoobii fi Eesaawu walquunnaman	Araara Yaaqoob Eesaw wajjiin (32:1-33:20)	Yaaqoob Eesaawun quunname	Eesaw wajjin wal quunnamuu
33:1-3	33:1-3	33:1-3	33:1-5a	33:1-7
33:4-11	33:4-11	33:4-11	33:5b-7 33:8a 33:8b 33:9 33:10-11	33:8-11
33:12-14	33:12-14	33:12-14	33:12	Yaaqoob Eesaww waliin michoome
33:15-17	33:15-17	33:15-17	33:13-14	
Yaaqoob Seekemiin qubate	Yaaqoob gara Kana'aan dhufe		33:15a	33:12-17
33:18-20	33:18-20	33:18-20	33:15b-17 33:18-20	Yaaqoob Sekeemiin ga'e 33:18-20

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula . xxiv)

SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

Qababiyyee ijoo barreeffamaa

- A. Boqonnaan kun irra caalatti walitti deddeebisanii haasa'uu of keessatti qabata (NET hiika cuunfaa isaa ilaali). “Jedhe” jechi jedhu (BDB 55, KB 65) si'a kudhan hojii irra ooleera.

Walitti deddeebisuun kun ajajaa fi gaaffii hedduu qaba.

1. “Kan kee kan ta'e si'umaaf haa ta'u” lakk. 9, BDB 224, KB 243, *Qal* JUSSIVE
 2. “harka fuudhaa isa siif dhiyaate kana fudhadhu,” lakk. 11 BDB 542, KB 534, xiyyeeffattuu
 3. “kottaa kaanee karaa keenya itti fufnaa,” lakk. 12, BDB 652, KB 704, dabalata 4-5 deemi” (yeroo lama), lakk. 12, 11 BDB 542, KB 534, *Qal* IMPERATIVE
 6. gooftaan koo garbicha isaa dura darbee haa adeemu, “ lakk. 14, BDB 716, KB 778, kan hin raawwatamin, bifa jabeessuudhaan kna itti fayyadamame.
 7. “ani suuta jedhee sin hoordofa,” lakk. 14, BDB 624, KB 675, *Hithpael* COHORTATIVE
 8. “Namoota anaa wajjin jiran keessa kaan si biratti dhiisee nan adeema,” lakk. 15, BDB 426, KB 427, *Hiphil*, COHORTATIVE
 9. “fuula gooftaa koo duratti faara yoon argadhe,” lakk. 15, BDB 592, KB 619, *Qal* IMPERFECT, kan hin raawwatamin, dabalataaf kan itti fayyadamame.
- B. Yaaqoob kan inni sodaate,
1. Laabaan
 2. Ergamaa wal'aansoo isa qabe
 3. Esaawuu
- C. Yaaqoob gara biyya abdiin sanaatti deebi'e (Kana'aan). Abdiin Bet'elitti waaqa irraa isaaf kennaman raawwatamanii jiru. Abdiin kakaadhaan Abrahaamii fi sanyii isaatiif kenname akkuma itti fufetti jira (Jechuunis, karoorri Waaqayyo oolchuudhaaf karoorse toora irra jira).

QO'ANNAA JECHAA FI GAALEE

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:33:1-3

¹ Yommus Yaaqoob ol ilaalee, kunoo, Esaawuun namoota dhibba afur wajjin utuu dhufuutti jiruu arge; kanaaf ijoollee Liyaa, Raa'helii fi xomboreewwan lamaan gidduutti gargar hire. ² Xomboreewwan lamaan ijoollee isaanii wajjin fuula dura buuse, Liyaa fi ijoollee ishee itt aansee, Raahelii fi Yoosefiin immoo hundumaa booddee buuse. ³ Ofii isaatii immoo hunduma isaanii dura bu'ee, itti adeemee hamma obboleessa isaatti dhiyaatutti si'a torba lafa ga'ee qoomma'e.

33:2 Garaa-garummaa maatii isaa gidduu jiru ilaali. Namoonni, dubartootnii fi ijoolleen isaa dursanii jiru, warri jaallataman immoo gara boodaa (Raahelii fi Yoosef). Haalli jiru laphee Yaaqoob keessatti jijjiiramee jira, ta'u iyyuu inni hundumaa dura bu'ee adeeme (lakk. 3). Kan ajjeefaman yoo ta'e, inni dursa du'a. Inni ammas yaadeera, garuu jiraachuu fi eegumsa Yaawee amanatee jira.

33:3 “qoomma'e” Gochimi kun (BDB 1005, KB 295, *Hishtaphel* IMPERFECT) yeroo afur irra deebi'ameera.

1. Yaaqoob fuula Esaawuutti qoomma'e lakk. 3
2. Hojjetootnii fi ijoolleen isaa, fuula Esaawuutti qoomma'an lakk. 6
3. Liyaa fi Raahel, fuula Esaawuutti qoomma'an lakk. 7
4. Raahelii fi mucaan ishee, fuula Esaawuutti qoomma'an lakk. 7

■ “si'a torba” kun mallattoo gad of deebisuu ture (Jechuunis, xalayoota Amaariffaa El, Dhaloota Kiristoos dura jaarraa 14^{ffaa}).

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:32:4-11

⁴ Esaawuun garuu isa simachuutti fiigee, morma isaa irratti kufee ammatee ni dhudhungate; isaan lachuu walitti boo'an. ⁵ Esaawuun ol ilaalee dubartootaa fi ijoollee yommuu argee, “Isaan kun maal kee ti?” jedhe, Yaaqoobis, “Isaan joollee Waaqayyo ayyaana isaatiin ana garbicha keetiif kennee dha” jedheen.

⁶ Yommus xomboreewwan itti dhi'aatan; isaanis, ijoolleen isaaniis ni qoomma'aniif, ⁷ Liyaanis akkasuma ijoolleen ishees itti dhiyaatanii ni qomma'aniif; dhuma irratti Yoosefii fi Raahel itti dhi'aatanii isaanis ni qoomma'aniif. ⁸ Esaawuun immoo, “Ktata buufatee ani arge sana hundumaa immoo maalii yaade?” jedhe; Yaaqoobis deebisee, “Faara gooftaa koo ittiin argachuudhaaf nan yaade” jedhe. ⁹ Esaawuun garuu, “Ani baay'een qaba, yaa obboleessa ko, kan kee si'umaaf haa ta'u” jedhe. ¹⁰ Yaaqoob immoo, “Hin ta'u, ani akka nama fuula Waaqayyooa aaaarguutti fuula kee argeera, ati immoo fuula ifaadhaan na simatteetta; ammas ani fuula kee duratti faara ergan argadhee, kennaa koo kana ana harkaa fudhadhu!” ¹¹ Ammas sin kadhada, Waaqayyo gaarummaa anatti argisiisee, anis wanta na ga'u waanan argadheef, harka-fuudhaa isa siif dhi'aate kana fudhadhu!” jedhee isa giddisiise; Esaawuunis ni fudhate.

33:4 “isa simachuutti fiigee, . . ammatee... ni dhudhungate. . waltti boo'an” isaan kun hundi mallattoo simannaa ho'aa ti.

1. “fiigee, “ BDB 930, KB 1207, *Qal* IMPERFECT
2. “ammatee, “ BDB 287, KB 287, *Piel* IMPERFECT
3. “morma isaa irratti kufee, “ BDB 656, KB 709, *Qal* IMPERFECT, cf. 45:14; 46:29
4. “dhudhungate, “ BDB 676, KB 730, kn hin raawwatamin (kun LXX irra hin jiru, Macaafa Qululluu irraa mallattoon addaa itti godhameera), 45:15; 48:10; 50:1
5. “waltti boo'an, “ BDB 13, KB 129, *Qal* IMPERFECT (LXX fi TEV, REB” Lachuu walitti boo'an, “ kan jedhu qabu; ta'uu kan qabu garuu” Inni ni boo'e” dha, NJB, AB fuula 258)

33:5 Esaawuun eenyummaa dubartootaa fi ijoollee Yaaqoob faana turanii gaafate. Kun waan hin hin beekamne ta'uu qaba, namni tokko dubartootaa lamaa fi xomboree lama qabaachuunii fi ijoollee isaaniis isaan waliin ta'uun, Esaawuun maaliif akka hin gaafatin. Esaawuun kana irratti maal akka jedhe hin barreeffamne.

33:8 Esaawuun kan gaafate waa'ee kennaa (Jechuunis Bineellada) isa Yaaqoob fuula isaa dura ergee ture (32:13-21).

33:9 “**obboleessa ko**” qorannaan Macaafa qulqulluu NASB iin (Fuula 51) xuqaa gaarii kaa'eera, Kunis Esaawuun Yaaqoobiin” obboleessa koo” yeroo jedhu, Yaaqoob garuu esaawuudhaan” gooftaa koo” jedhee waamw. Yaaqoobis (1) tooftaadhaaf yookaan (2) sodaateera ta'a.

Kennaa haala adda ta'an keessatti beekamoo dha. Aadaa kana keessatti kennaa fudhachuu diduu jechuun walitti dhufeenyi jiru muddama akka qabu kan argisiisuu dha (James M. Freeman, *Manners and Customs of the Bible* Fuula 41). Esaawuun hin fudhadhu jechuun isaa Yaaqoob akka sodaatu isa taasisa! Kennaa sun Esaawuun hin barbaachifne, garuu obboleessa isaa simachuu isaatiif fakkeenya.

33:10 Yaaqoob Esaawuun kennaa akka fudhatuuf isa rakkise, sababiin isaas simannaan Esaawuun (lakk. 14) isaaf akka nama fuula Waaqayyoo argee ti. Tarii kun 25:23 iif golgaa ta'uu danda'a.

33:11 Yaaqoob maddi fooniin eebbifamuu isaatii Waaqayyo isa isaaf kakate akka ta'e beekamtummaa kenneera (Jechuunis, “ayyaana isaatii” BDB 335, KB 334, *Qal* PERFECT, cf, kn hin raawwatamin, lakk. 5; 43:29).

■ “**kennaa**” kun (BDB 139) kallattiidhaan”eebba” jechuu dha. Jechumti kun boqonnaa 27 irratti isa Yaaqoob Esaawuun gowwomse ibsuudhaaf itti maayii ba'ameera. Yaaqoob obboleessa isaaf kennaa kennee eebbifamuu kan inni barbaade akka tasaatti miti. Inni wanta dura hojjete sanaa bakka akka isaaf bu'uuf kan yaalii taasise.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:33:12-14

¹² Yommus Esaawuun, “Kottaa kaanee karaa keenya itti fufnaa, ani si dura nan adeema” jedhe. ¹³ Yaaqoob garuu deebisee, “Ijoolleen akka dadhaban, bushaayee fi saawwan warri hoosisanis akka na yaadessan, gooftaan koo ni beeka; isaan guyyuma tokkoof illee sardama yoo oofaman, bushaayeen hundinuu ni dhumu; ¹⁴ gooftaan koo darbee garbicha isaa dura haa adeemu; anis suutuma jedhee, adeemsa horii warra na dura jiraniif, adeemsa ijoolleef akka ta'utti, hamman Se'iiritti si gooftaa koo bira dhufutti nan adeema” jedhe.

33:13 Kunis karaa dinqisiisaa kan biroo ta'uu ni danda'a, Yaaqoob Esaawuun isaan ol akka ta'ee akka itti dhaga'amu gochuun isaa, akkasumas battaluma sanatti isa waliin gara Se'iiri hin dhaqne karaa inni ittiin ibse. Ijoolleen isaa "Dadhaboo" hin turre, horiiu isaas jalqabuma iyyuu karaa dheeraa adeemanii dhufan. Yaaqoob amma iyyuu hamaa fi sobaadhaa?

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:33:15-17

¹⁵ Kana booddee Esaawuun, "Namoota anaa wajjin jiran keessaa kaan si biratti dhiisee nan adeema" jedhe; inni garuu, "Fuula gooftaa koo duratti faara argachuu malee, kun maaliif barbaachisa?" jedhe. ¹⁶ Gaafas Esaawuu karaa isaa irra gara Se'iiritti deebi'e; ¹⁷Yaaqoob garuu gara iddoo isa" Suukooti" jedhamee moggaafametti adeeme, ofii isaatiif godoo, horii isaatiifis gaaddisa ijaare; kanaafis maqaa iddoo sanaa" Suukoot" jedhee moggaase{"Suukoot" jechuun, "Gaaddisa" jechuu dha. }.

33:15 "Namoota" jechi kun *goi* dha (BDB 766 I), innis yeroo maraa hiika gadhee kan qabu yeroo ta'u, Ormoota kan argisiisuu dha, asitti garuu namoota Esaawuu faana jiran kan ibsuudha, akkasumas See. Ba'uu 33:13 irratti saba Waaqayyoo kn argisiisuu dha. Hiika jecha tokkoo kan murteesu osoo hin taane ijoo guutummaa yaada barreeffamaa ti! Jechoonni hiika kan isaan qabaatan hima keessatti; himni immoo buufata keewwataatiin hiikamu, akkasumas isaan kun kan isaan hiika qabaatan barreeffama bal'aa keessa tti. Hiika beektonni walitti qabamanii hiikan irraa of eeggadhu!

33:17 "Suukooti" jechi kun (BDB 697) hiikni isaa" **godoo**" dha. Yaaqoob ofii isaatiif godoo ijaarrate, kun garuu" Mana" jedhamee waamameera (BDB 108), garuu lakk. 19 ilaali. Innis immoo" Gaaddisa" ijaaree jira (BDB 697, jechuunis, iddoo buufataa dame mukaa irraa hojjetamu) horii isaatiif.

Bakka kana buufachuu Yaaqoobiin dura, iddoo sana namni akka jiraachaa jiru wanti beekamu hin jiru. Innis booda irratti maqaa magaalattii ta'eera (Abbo. Fird. 8:5).

Kun Suukoot isa qarqara galaana Gibtsi jiru miti (See. Ba'uu 12:7; See. Lakk. 33:5). Kunis magaalaa Yordaanos irraa gara Ba'aatti jirtuu dha (jechuunis, Atlasii Macaafa Qulqulluu Maakmiilaan, fuula 22).

Qabxii inni biraa, Yaaqoob Esaawuu hordofee gara gaara Se'iiri dhaquu waan barbaade hin fakkaatu, garuu gara Suukooti deemeera, innis karaa gara Se'iiritti/Edomitti geessu miti. Inni manas ijaaree jira! Barreeffamichi sirriitti wanti nuuf hin ibsin (1) tarii gochi kun itti yaadamee kan hojjetame ta'uu isaa yookaan (2) Se'iirin dhaquu Yaaqoob dhuksee yoo ta'e. Ani yaada lammaffaan filadha. Ani kanan amanu, Yaaqoob dhugaamatti jijjiiramuu isaa ti, sana booda waliin dhuuftuu, hamaa fi sobduu ta'uu hin danda'u.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:33:18-20

¹⁸Yaaqoobis Phaadaan-Aaraamii yommuu deebi'e, nagaadhaan gara mandara Sheekem ishee biyya Kana'aan keessa dhufe; mandarattii fuula duras ni buufate. ¹⁹ Ijoollee Hamoor abbaa Sheekem irraas laficha isa godoo isaa irra dhaabbate sana akka meetii dhibbaan ni bite. ²⁰ Achitti iddoo aarsaa tokkos ijaaree, isas, "Waaqayyo, Waaqayyo isa kan Israa'el" jedhee moggaase.

33:18 "Sheekem" maqichis kan argisiisu

1. Maqaa nama sanaa lakk. 18, 19; 34:2; See. Lakk. 26:31; Iyaa. 17:2; 24:32; Abbo. Fird. 9:28
2. Teessuma lafa gaara Eebalii fi Geraazin gidduu jiruu. Hundee wal fakkaataa (BDB 1014 I) hiikni isaas "Gatiittii""Dachaafattuu gatiittii ishe tii" ti.
3. Magaalaa, Iyaa. 20:7; 21:21; 24:1; Abbo. Fird. 8:31

Jalqaba irratti Abrahaam waliin wal qabatee See. Uuma. 12:6 irratti kan ibsame yeroo ta'u amma immoo Yaaqoob waliin wal qabatee (37:14).

Walitti dhufeenyi walii gala ta'e lakk. 17 fi 18 gidduu hin jieu. Yaaqoob Suukootiin yeroo hagamii akka jiraate hin barreeffamne. Isaan dhugaawwan adda-adda ta'ani lamaa fi yeroo garaa-garaatti walitti dhufeenya isa hin ta'iniin barreeffamanii dha. Mana ijaaruu irraa hanga lafa bittuutti kan jiru jireenya yeroo irraa gara jireenya dhaabbataa ta'eetti deemuu kan argisiisuu dha. Rakkoo addaa kan ta'u lakk. 18 kan argisiisu Yaaqoob Phaadan-

Aaram (Bakka naannoo Kaaraan jiru) akka ga'een lafa bituu isaa ti. Inni gara Bet'elitti akka deebi'u itti himamee jira, garuu gidduutti itti dhiise. Maaliif akka ta'e barreeffamicha irra hin jiru!

33:19 “**innis ...laficha isa godoo isaa irra dhaabbate sana ni biteH**” gochi lafa bitachu jiraataa ta'uu argisiisa, yookaan mirga jiraachuu qabaachuu argisiisa.

■ “**Hamoor**” hiikni jecha kanaa”Harree” jechuu dha (BDB 331 II). Harroonni bara durii akka horii qulqullaa'ootti ilaalamu. Kana kan nuti beeknu barreeffamoota Gabatee Maarii qofa irraa osoo hin taane, dhugaa jiran irraati, jechuunis (1) Warreen dureeyyiin harree ni gulufsiisu turan (Abbo. Fird. 5:10) fi (2) Moototni Israa'el harree irra taa'anii gara iddoo mootummaa isaanii ni dhaqu turan (1Moot. 1:33).

■ “**meetii dhibbaan**” kun jecha Warra Ibrootaa darbee darbee mul'atuudha, hsyecq (*qesitah*) (BDB 903). Inni ulfaatina sibiilaa hin beekamnee dha (Iyya. 24:32; Iyyo. 42:11), ta'uu kan danda'us (1) gatii hoolaa (LXX) yookaan (2) ulfaataa (Minaan) bocasaatti sibiila (yookiin maxxansaan) hoolaa.

33:20 “**Achitti iddoo aarsaa tokkos ijaaree**” Kun iddoo aarsaa, yeroo fi akkataa aarsaa kan argisiisuu dha. Kunis kadhannaa fi aarsaan Yaaweef akka dhi'aatu hiyyamameera (8:20; 12:7-8; 13:18; 22:9; 26:25). Kun raawwii abdii Yaaween 28:15 irratti kennee dha.

■ “El-Elohe-Israa'el” caasaan kun kan hojjetame

1. *El*, BDB 42, See. Ba'uu 34:6; Yaada addaa 12:1 irra ilaali
2. *Elohe*, BDB 43, See. Kee. Deeb. 32:15, 17; Faar. 18:32
3. Israa'el, yaada addaa 32:28 irra ilaali

Macaafni inni hiikaa jalqabaa (Saptuagant)” Waaqayyo isa kan Israa'el” jedhee hiika. Kitaabni qorannii Macaafa Qulqulluu warra Yihudootaa hiikaa JPSOA gargaaramuudhaan qabiyyee miil-jalee barreeffama isaatiitti, “*El*, “ isa jedhu” Waaqayyo isa kan Israa'el” kan jedhu qaba (Fuula 69).

SEERA UUMAMAA 34

HIKAA HAARAA KEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

NASB	NKJV	NRSV	NET	NJB (follows MT)
Haxxummaa ilmaan Yaaqoob	Mudama Diinaa	Sekeem Diinaa gudeeduu isa	Gudeedamuu Diinaa	Gudeedamuu Diinaa
34:1-7	34:1-7	34:1-4	34:1-4	34:1-5
34:8-12	34:8-12	34:5-7	34:5-10	Seekamootaa wajjin gaa'ilaan firoomuu isaa
34:13-17	34:13-17	34:8-12	34:11-12	34:6-12
34:18-24	34:18-24	34:13-17 34:18-24	34:13-17 34:18-24	34:13-19 34:20-24 Simoonii fi Leewiin haxxummaan gumaa Ba'uu
34:25-31	34:25-31	34:25-31	34:25-29 34:30 34:31	34:25-29 34:30-31

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula vii irraa)

SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulummoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

Qabiyyee Haala barreeffama Kanaa

- A. Yaaqoob soda fi qorumsa isatti dhufuu dura dhaabachuu qaba.
 1. Laabaa
 2. Esaawuu
 3. Gaa'ela warra Kana'aan

4. Diibbaa warra Kana'aan
- B. Yaaqoob amma iyyuu nama sodaatuu dha.
 1. Esaawuu sobeera, ammas Se'iiriin isa faana hin deemne.
 2. Waaqayyoon yoo isatti himame iyyuu, gara Bet'el hin deemne.
 3. Bu'aa mataa isaa irraa kan ka'e, saba iddoo sanaan karaa gaa'elaa qorameera.
 4. Warra Kana'aan ijaa na ba'u jedhee sodaatee tue.
- C. Boqonnaa kana keessaatti maqaan Waaqayyoo hin kaane (tarii itti yaadamee ti)!
- D. Kallattiidhumaan boqonnaan kun kan gale
 1. Boqonnaa 17n mormuudhaaf
 2. Ilmaan warra gurguddoo sadan osoo hin taane, Yihudaan idda masiyichaa akka ta'e kan argisiisuu dha. Akka filannoo barbaachisaatti.

Boqonnaan 34 Somi'onii fi Lewwii ni hambisa (See. Uuma. 49:5-7).

“Seenaan seena qabeessi” dirqamatti hiikamuu kan qaban haala galumsa yaada waliigala barreeffamichaatti ta'uu akka qabu yaada dhu. Seena Kakuu Moofaa keessaa, keewwata, fuula xvii irra jiru ilaali.

QO'ANNA JECHAA FI GAALEE

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:34:1-7

¹ Dhinee intalli Yaaqoob, isheen Liyaan deesse, durboota biyya sanaa ilaaluudhaaf ni baate. ² Shekem ilmi Haamor nama Hiiwoo, abbaa biyya sanaa yommuu ishee arge, ishee butee wajjin ciisee ishee salphise. ³ Yaadni isaa Dhinee intala Yaaqoob duukaa ni sokke inni intalattii ni jaallata, garaa intalaa kan ittiin laaffifatus ni dubbata ture. ⁴ Shekem abbaa isaa Hamooriin immoo, “Intala kana na fuusisi!” jedhe. ⁵ Shekem Dhinee irraa ulfina erga fuudhee, Yaaqoob waan intalli isaa taate dhaga'e garuu ilmaan isaa lafa horii tikaa waan jiraniif, amma isaan galanitti calluma jedhe. ⁶ Hamoor abbaan Shekemis Yaaqoobii wajjin dubbachuudhaaf gara isaa dhage. ⁷ Ilmaan Yaaqoob lafa tikaati galanii, wanta ta'e yommuu dhaga'an, garaan isaanii ni gubate, aaraaniis ni boba'an wanti namichi intala Yaaqoobii wajjin ciisuu isaatiin hojjette, Israa'el keessatti waan hin taanee dha wanti akkasii hojjetamuun hin ta'u ture.

34:1 “Dhinee.... , isheen Liyaan deesse” See. Uuma. 33 fi 34 gidduu garaagarummaa yeroo dheeraatu jira. Amma ijoolleen guddataniiru. Idda sanyii Yaaqoob keessatti dubartiin caqafamte Dhinee qofaa dha (30:21). Kaneen biroon kan caqafaman yoo ta'e iyyuu (37:35), isheen kan caqafamte akkaataa shoora giddu-galeessa boqonnaa kana keessatti qabduun ture. Maqaan ishees “Murtii” yookiin “Dandamachuu” jecha jedhuuf kan dubartii fakkaata (BDB 192), innis ilmaan Yaaqoob keessa maqaa isa tokkoo ti (30:6) booddees maqaa gosa tokkoo, innis Daani.



NASB, NRSV,
NET, NJB
NKJV, LXX,
Peshitta

“Do'achuu”

“Ilaaluu”

Gochima “ilaaluu” jedhu (BDB 906, KB 1157, *Qal* INFINITIVE CONSTRUCT) karaa hedduudhaan hubachuun ni danda'ama (manaa/iddoo buufataa tii qophaa ishee akka baate ifaa dha).

1. Hubachhuudhaaf, waa'ee jireenya isaanii baruudhaaf
2. Hiriyoota ishee do'achuudhaaf, Yaaqoob iddoo sana bara hedduu jiraateera.
3. Taphachuu dhaaf lakk. 2, “Shekem ishee ilaale” (Gochima wal fakkaataa)

34:2 “Shekem” Kun mooti/dura bu'aa gosa biyya sanaa ti. Haamoryeroo sana geggeessaa gosaa ture. Dura-bu'aan sun kan moggaafame magaalaa guddittii kana sababeeffatee ti. Hiika maqichaaf 33:18 ilaali.

Akka seerlugaatti “Abbaa-murtii” (BDB 672 I), hiika isaa kan fudhachuun danda'amu “Isa caalu, “ jechuu yeroo ta'u, kan argisiisus Haamorii dha (*Barreeffama Seera Uumamaa irraatti Reeyiberii fi Freyiin barreeffame, USB, fuula 786 ilaali*).

■ “Nama Hiiwo” Hiikni duraa (SaptuaUma. t) kana nama Hooriyaa jisa jedhutti hike (See. Uuma. 34:2Iyya. 9:7). Isaan tarii warra Huuriyaawota jedhamanii beekaman kun, kan dhagna hin qabatinii fi gosa Seem keessaa miti. Gosni dhagna hin qabatin kun laamaan, bara duri Israa’eliin kan marsanii turan Filisxeemota, isaanis warra Eejotaaf qacaramanii lolaa kan turanii fi sanyii warra Huuriyaawotaa turan. Gosni Kana’aanota hundi dhagna ni qabatu. Yaada addaa 12:6 ilaali.

■ “ishee butee wajjin ciisee ishee” kun gochima dacha kan qabuu dha (Isaan keessaa lama taatee tokko ibsu). Kun bara ammaa kanatti rifaasisaa yoo ta’e illee, abbootni murtii Ba’a dhiyoo ishee durii keessa jran mirga qabu turan. Yeroo sanaa fi naannoo sanatti haadha-manaa argachuun isa bara kanaa irraa baay’ee adda ba’ (jichuunis, See. Ba’uu 22:16-17 Kes. 21:10-14 22:28-29). Aadaan abboota durii walumaa galatti mirga dhiiraaf yeroo ta’u, dubartootaaf immoo amilee isaaniif jecha birmaddummaa muraasa kenna.

Waa’ee saal-quunnanti kan ibsan gochima hidduutu jiru.

1. Ciisuu, BDB 1011, KB 1486, See. Uuma. 19:32 26:10 30:15 39:7 Lew. 18:22
2. Bira ga’uu, BDB 897, KB 1132, See. Uuma. . 20:4 Lew. 18:6, 14, 19 20:16
3. Dhaquu/senuu, BDB 97, KB 112, See. Uuma. 19:31 29:21, 23, 30 30:3, 4, 16 38:8, , 9, 16 39:14
4. Baruu, BDB 393, KB 390, See. Uuma. 4:1, 17, 25; 19:5, 8 24:16 38:26 Lakk. 31:17, 18, 35 Abbo. Fird. 19:22, 25 21:12

■

NASB, NRSV,
JPSOA
NKJV, NREB
NET
NJB
LXX
Peshitta

“Humnaan”
“Gudeede”
“Gudeede”
“Isa waliin akka ciiftuuf ishee dirqisiise”
“Ishee salphise”
“Ishee qaanesse”

Gochimi kun (BDB 776, KB 853, *Piel* IMPERFECT) hundee *Piel* hiikni isaa “Salphisuu” dha, akkaataa humnaan gudeeduutiin (jechuunis, humnaan gudeeduu, Kes. 21:14 22:24, 29 Abbo. Fird. 19:24 20:5 II Saam. 13:12, , 14, 22, 32 Hisq. 22:10, 11).

34:3 “Yaadni isaa Dhinee intala Yaaqoob duukaa ni sokke” dargaggeessi kun saba isaa keessaa waan barbaadu kan argachuu danda’u yoo ta’e iyyuu (lakk. 19), inni Dhinee irratti gocha seeraan alaa raawwate. Kun walumaa galatti jiraattota biyyichaa irrattis ta’e maatii ishee irratti gocha seeraan alaa raawwachuu isaa ti.

Fedhiin Shekem Dhinee irratti qabu karaa sadii’iin irra deebi’ameera.

1. “Yaadni isaa Dhinee intala Yaaqoob duukaa ni sokke” (kallattiidhaan “Lubbuun isaa isheetti maxxane”) jechuu ta’a, BDB 179, KB 209, *Qal* IMPERFECT, 1Moot. 11:2
2. “intalattii ni jaallata” BDB 12, KB 17, *Qal* IMPERFECT; “miidhagduu” (BDB 655) kan argisiisu dargaggeettii9Durba), garuu intala heerumaaf kan geese.
3. “garaa intalaa kan ittiin laaffifatus ni dubbata ture” (kallattiidhaan, “wanta ishee gammachiisu itti dubbate”), BDB 180, KB 210, *Piel* IMPERFECT 50:21 Abbo. Fird. 19:3 Ruut 2:13
4. “Yaadni Shekem ilma koo intala keessan duukaa soke, “ lakk. 8, BDB 365 I, KB 362, *Qal* PERFECT, Kes. 21:11
5. “Innis intala yaaqoobitti ni gammade” lakk. 19, BDB 342, KB 339, *Qal* PERFECT.

■ “Intalattiin” Dhineen boqonnaa kana keessatti jechoota hedduudhaan ibsamteetti.

1. Mucaa intala, lakk. 1, BDB 123 I (yeroo hedduu)
2. Intalatti, lakk. 3, BDB 655, lakk. 12
3. Intala dargaggeettii, lakk. 4, BDB 409, Iyu 3:3 Zak. 8:5 (Isaan kun yeroo sadii kan itti dhimma ba’aman durba hin heerumin jiraniif qofa, hundee, “Da’uu, “Da’uu” jedhu irraa).
4. Obboleettii, lakk. 13, BDB 27, lakk. 14, , 27, 31

34:4 “Sheekem abbaa isaa Hamooriin immoo, “Intala kana na fuusisi!” jedhe. Kun akka aadaatti seera isa maatiin gaa’ela ijoollee isaanii mijeessan waliin wal sima. Garuu gaafficha gurbichi akka kaase hubadhu (BDB 542, KB 534, *Qal* IMPERATIVE). Rakkinni kan ta’e ka’umsi Sheekem dhiibaa saalaan ture (lakk. 7) 34:5

NASB, NKJV,
NRSV, LXX,
JPSOA
NET
NJB, NREB

“Ni salphise”
“Ni qaanesse”
“Ni qaanesse”

Gochimi kun (BDB 379, KB 375, *Piel* PERFECT) kan argisiisu gochi kun akka seera Waaqayyooti yeroo ilaalamu xura’aa akka ta’ee dha (Lew. 18:24-30). Asitti kan argisiisu darbiinsa xuraa’ummaa fedha foonii ti (Hisq. 18:6, 11, 15 22:11 23:17 33:26). Dhineen kan isheen gudeedamte nama Kana’aan nama dhagna hin gabatiniin ture.

■ “calluma jedhe” yaadni isaa hin ka’amne. Ta’uu kan danda’u

1. Yaaddoo haalicha bu’aa mataa issattii godhachuu (lakk. 6, 30)
2. Ijoolleenii fi hojjetootni isaa hanga qophaa’anitti eeguuf
3. Obbolootni ishee dhimmicha irratti waan “jedhan” waan qabaniif

34:7 garaan isaanii ni gubate.

1. “Isaanis baay’ee aaran, “ BDB 780, KB 864, *Hithpael* IMPERFECT, See. Uuma. 6:6
2. “aaraniis ni boba’an, “ BDB 354, KB 351, *Qal* IMPERFECT, See. Uuma. 4:5, 6 31:36 39:19
3. Inni waanta ciigasisaa hojjetee ture, BDB 615, jechuunis Yaaqoobiifis ta’e aadaa amantii isaatif naamusa amantii sirrii hin taanee dha, Kes 22:21 Abo. 19:23 20:6 II Saam. 13:12 hiikni maqaa isaatii “gowwomfamuu” dha).

■ “Israa’el irratti” Kun jechicha haala darbeen itti fayyadamuu dha. Gaaleen kun kan argisiisu seera saba Israa’el. Kun isa booddee sirreessuuf (barreessuuf) barreeffama mallattoo ti (Kes. 22:21 iyya. 7:15 Abo. 19:23 20:10).

Ibsitootni tokko-tokko walingaa kana (BDB 88-91) hiika isaa taasisuu kan isaan yaalan, “gara” isa jedhu yeroo ta’u, hiikni isaa garuu “... keessatti” isa jedhuu dha.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:34:8-12

⁸ Kan gidduutti Hamoor isaaniin, “Yaadni Sheekem ilma koo intala keessan duukaa sokke hadaraa, ishee ilma moof koof kennaa! ⁹ Fuudhaa fi heerumaan nutti firoomaa dubartoota keessan nuuf kennaa, dubartoota keenyas fuudhaa! ¹⁰ Nu wajjin taa’aa, lafti isin dura jira, lafa barbaaddan ta’aa, asii fi achi demaa nagadadhaa, araddaas godhadhaa!” jedhe. ¹¹ Sheekemis immoo abbaa intalaa fi obbolaa isheetiin, “Fuula keessan duratti faara argachuun koo haa ta’u malee, waanuma isin jettan nan kenna ¹²qaraxa, kennaa keennamus guddisaa anatti baay’isaa! Intalaa anaaf kennaa duwwaa malee ani waanuma isan jettan nan kenna” jedhe.

34:8 “Isaan waliin” kun ilmaan Dhineen deesse hundaa fi ijoollee isheen guddifte hunda kan ilaallatuu dha. Abbaan Sheekem miira aarii fi dheekkamsa isaatii tasgabbeessuuf yaalii godhee ture.

Lakk. 11 Yaaqoob iyyuu akka argame kan argisiisuu dha.

34:9 “Fuudhaa fi heerumaan nutti firoomaa” kun aadaa maatii Abrahaam hin turre (Uuma. 24:3) tookiin Ysihaq (Uuma. 28:1-8). Amma garuu Yaaqoob qorameera.

34:10 “lafti isin dura jira, “ kun jechama warra Ibraayisxi yeroo ta’u, innis laficha irraa fi laficha keessa akka garaa keessaniitti deddeebi’uu ni dandeessu jechuu dha (Uuma. 13:9 20:15).

Yaaqoobii fi maatiin isaa gaa’ela kanatti yoo waliif galan, abdii waadaa isaaniif galame hubadhu.

1. “Nu wajjin taa’aa, “ lakk. 10
2. “lafti isin dura jira” lakk. 10

3. “Iafa barbaaddan ta’aa, ... nagadadhaa, lakk. 10, tarii (“nagadadhaa” inni jedhu akka haala barreeffama kanaatti, “Birmaddummaadhaan biyyattii keessa deddeebi’aa” isa jedhuu dha, 42:34 NJB , garuu iddi jechaa isa fakkaatu kan jedhu “Daldaloota”, 23:16 I Moot. 10:28-29)
4. “godhadhaa!, “ lakk. 10
5. “waanuma isin jettan nan kenna, “ lakk. 11
6. “qaraxa, kenna keennamus guddisaa anatti baay’isaa” lakk. 12

Nu waliin tokko ta’aa yaada jedhuun! Yaaqoob gara Bet’el dhaquutu isa irra ture. Inni yeroo dheeraadhaaf, naannooma magaalaa Sheekem ture. Ammas dhibaa’ummaa maal dhibdii irraa kan ka’e jeeqamsaa fi rakkinatu ta’a.

34:12 “qaraxa, kenna keennamus” kun wanta ittiin kaadhimatan kan argisiisuu dha yookaan Warra Ibrootaatti Mohaar (BDB 555). Kun misirrittii bituu irra baay’ee kan caalu miti, garuu isa ishee gargaaruuf bakka buusuu dha (Ba’uu . 22:16-17 I Saam. 18:25). Wanti kaadhimachuuf barbaachisu kun yeroo mara dubartittiidhaaf kan ta’uu dha, innis tarii abbaan manaa ishee yoo du’eef, yookaan rakkoo ta’uuf jiruuf (Uuma. 35: 15 kunis, isa ilmaan Laabaa itti gaddanii dha, sababii inni wanta waa’ee isaaniif dhufe hunda fayidaa mataa isaatiif godhateef).

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:34:13-17

¹³ Ilmaan Yaaqoob immoo Sheekem kun Dhinee obboleettii isaanii irraa ulfina waan fuudheef, isaaf, Hamoor abbaa isaatiifis haxxummaadhaan deebii kennaniif. ¹⁴ Isaanis Sheekemiif abbaa isaatiin, “Nuyi nama dhagna hin qabatiniif obboleettii keenya kennuu hin dandeenyu wanta akkasii kana gochuun nutty yelloo dha ¹⁵ isin akka keenya taatanii dhiironni keessan hundinuu dhagna akka qabatan yoo gootan duwwaa, tole isiniin jenna. ¹⁶ Isa booddee, nuyi dubartoota keenya isiniif ni kennina, dubartoota keessanis ni fuunaisinii wajjin ni jiraatna, saba tokkos ni taana. ¹⁷ Dubbii nuyi isinitti himnu kana dhageessanii yoo dhagna qabachuu dhaabaattan, nuyi intala keenyaa ni fudhanna, ni deemnas” jedhan.

34:13	
NASB	“Haxxummaadhaan”
NKJV	“Haxxummaadhaan dubbatan”
NRSV, Peshitta	“Haxxummaadhaan ... deebisan”
NET	“Karaa haxxummaatiin”
NJB	“Oogummaadhaan deebisan”
LXX	“Akkaataa oogummaa’een”
JPSOA	“Haxxummaadhaan dubbatan”

Maqaan “Haxxummaadhaan dubbatan” jedhu (BDB 941) hiikni isaa “waliin dha’uu” dha. Innis Yisaaqiin hojii irra ooleelera, haxxummaa Yaaqoobiif, Uuma 27:35 irratti haala hidda haxxummaa Laabatiin isa inni Yaaqoob irratti qaqqabsiiseen, Liyaa wajjin karaa wal qabateen, Uma 29:25 irratti, amalli Yaaqoob kun maatii isaa niratti hafeera.

34:14-17 “Innis kan dhaga hin qabatne” Dhagna qabaan mal’attoo YHWEH ti (Uuma. 17:9-14). Asitti obboleenni Diinaa kan itti fayyadaman karaa fooniitti. Miira hafuuraa isaaf yaadame manna jarri kaayyoo dhokataa qabu turan. Miidhaan Seekeem seeraan ala kan ta’e amma miidhaa qomoo hundumaatiif sababbii miidhamuu ta’e. Haaloo kana fakkaatu kan Ibra “iji ijaaf” kan jedhu dha (Ba’u. 21:24; Lew. 24:20) seera jechuun dhaabuudha.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:34:18-24

¹⁸ Wanti isaan dubbatan Hamoorii fi Sheekem ilma Hamooritti ba’eessa ta’ee mul’ate. ¹⁹ Dargaggeessichi intala Yaaqoobitti waan gammaduuf, wanta jedhame gochuudhaaf hin tursine inni namoota mana abbaa isaa hundumaa irra caalaa ulfina qaba ture. ²⁰ Hamoorii fi Sheekem ilmi isaa gara kellaa mandara isaanii dhufanii, namoota mandara isaaniitiin, ²¹ “Jarri kun warra nagaa dha, nu wajjin biyya haa ta’an, asii fi

achi adeemaniis haa nagadatan! Bal'inni laffichaas kunoo karaa hundumaa isaan ni ga'a nus intaloota isaanii ni fuuna, intaloota keenyas isaaniif ni kennina! ²² Akkuma isaan dhagna qabatan, nuyis dhiira kan ta'e hundumaa yoo dhagna qabne duwwaa, namoonni kun tole jedhanii, nu wajjin ni jiraatu saba tokkos ni taana. ²³ Karri horii gaanfaa, wanti isaan qaban, horiin biraa isaan qe'eedhaa qaban hundinuus kan keenya ni ta'u mitii ree? Wanta isaan jedhan kana tole yoo jenne duwwaa, isaanis nu wajjin ni jiraatu" jedhan. ²⁴ Namoonni balbala kellaa mandara isaaniitiin darban hundinuu, Hamoorii fi Sheekem ilma Hamooriif ni dhaga'an dhiirri balbala kellaa mandara isaaniitiin darbu hundinuu dhagna ni qabame.

34:19 lakkoobsi kun wantoota sadii Sheekem dhugaa maatii Yaaqoob mo'achuuf taasise tarreessa: (1) hin tursine (2) intala Yaaqoobitti garaan isaa baay'ee gammadeera itti dabalees (3) ulfina isaa hundumaa kennee jira.

34:20 "gara kellaa mandara isaanii dhufanii" Kellaan mandarichaa bakka dhimma hawwaasummaa fi seera ilaallatu hawwaasichaa ti. Innis wanta bu'aa qabu fakkeessuudhaan (lakk. 23) namoota kanatti argisiisa (Jechuunis, warra umuriin isaanii lolaaf ga'eef).

34:21 Gochimni arfan, bifa jabeessuutiin galan lakkoobsa kana irraa kan hin raawwataminii dha.

34:23 Warri Sheekem gocha kana (Dhagna qabaa) gosa isaaniif akka human dabalachuu fi qabeenya horachuutti fudhatan. Qomoo Kana'aan malee, saboonni kakuu hin guddatne!

34:24 Wow! Kun waliigaltee isa guddaa dha. Dhagna qabaan nama ga'eessaaf gocha cimaa fi baay'ee kan dhukkubuu dha. Kun hundi geggeessaan sabaa sun dubartii ormaa ishee barbaade akka fuudhuuf (Jechuunis, iddi sanyii mootummaa kana booda qulqulluu hin ta'u). Warra Lixaa jaarraa ammaa keessa jiraniif, amanamummaa fi ulfina dura bu'aa sabaaf gosti warra Ba'aa qaban, hubachuun rakkisaa dha.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:34:25-31

²⁵ Isaanis dhaagna qabatani gaafa guyyaa sadaffaa yeroo dhukkubbiin isaanitti dhagaa'amutti, ilmaan Yaaqoob keessa lamaan Shimi'onii fi Leewwii kan jedhaman obbolootni Dhinee adduma addaan billaa fudhatanii, warri mandaricha keessaa "Biyyi nagaa dha" jedhanii utuu ta'anii, irra ba'anii, dhiira undumaa ajjeesan. ²⁶ Hamoorii fi Sheekem ilma isaa qara billaatiin ajjeesani Dhinee immoo mana Skeekemii fudhatanii ba'an. ²⁷ Ilmaan Yaaqoob sababii obboleettii isaanii irraa ulfinni fuudhameef, warra waraanaman sana irra ba'anii mandaricha saaman ²⁸ bushaayee isaanii, saawwan isaanii, harroota isaanii, wanta mandara keessaa, wanta ala tures ni fudhatan ²⁹ wanta jara birratti gatii qabu hundumaa mucoolii isaanii, dubartoota isaaniis booji'anii, wanta mana jiru hundumaas ni saman. ³⁰ Yaaqoobis Shimi'onii fi Leewwiidhaan, "Warri biyya kanaa, warri Kana'aan, warri Pheriizon jibbanii akka ana ajjeffatan gochuu keessaniin dubbiitti na galchitanittu lakkoobsi nama kootii muraasa isaan anatti dacha'anii na rukutu, ani, maatiin koos lafa irraa ni balleffamna" jedhe. ³¹ Isan garuu, "Yoos akkuma gaalamootaatti obboleetti keenyatti haa taphatuu ree?" jedhan.

34:25 "gaafa guyyaa sadaffaa.... . Shimi'onii fi Leewwii kan jedhaman obbolootni Dhinee" namootni ga'eeyyiin dhagna qabatani gaafa guyyaa sadaffaa baay'ee isaan madaa'a. Kanaaf ilmaan Lilyaa inni lammaffaa fi inni sadaffaan dhugaa kana waan beekaniif, kanatti fayyadamuudhaan, warra dhiira hunda ajjeesuudhaan, dubartootaa fi ijoolloota, akkasumas qabeenya jiru hunda fudhachuu danda'aniiru. Booda iirratti gosti kun lamaan, maatii Yaaqoob keessaa dura buutu akka ta'aniif raajii Uma. 49: 5-7tti jiruuf bu'uura ta'a. Kun kan argisiisu iyyuu, Leewwiin gosa warren kaan waliin akka hin dhaalle, garuu gosa hundumaa keessa bittimmaa'a.

34:26 "Dhinee immoo mana Skeekemii fudhatanii ba'an" kun aaddaa abbootaa ti. Miiirri yookaan filannoon Dhinee tasuma nama dubbisuuf hin ibsamne. Tokko nama ajaa'ibuu danda'a

1. Kan isheen Sheekemiin turte fedhaan haa ta'u dirqamte
2. Isheen gara manaatti tasumaa osoo hin deebi'in seenaa ishee dubbatte yoo ta'e, yookaan akka lakk. 1 irraa maatiidhaan geggeeffamte yoo taate.
3. Isheen nama Kana'aanii waliin gaa'ela yoo dhaabbatte, wanta kakuun jiru itti fidu hubatte yoo ta'e

34:27
NASB

"Ilmaan Yaaqoob"

**LXX, TEV
NET, NJB,
NREB**

“Ilmaan Yaaqoob garuu”

“Ilmaan Yaaqoob warren biroo”

Yaada Macaafa NASB hordofa, akka hiikoleen warra durii hiikanitti garuu ilmaan Yaaqoob hundi ajjeechaa osoo hin taane, saamicha sana irratti akka hirmaatanii dha. Boojuun sun ijoollota sana lamaan qofaan walitti qabamuu fi fayidaa irra ooluun ni ulfaata.

34:28-29 Akkaataan lola bara durii akkaataan gara-jabina fi boojuu fudhachuu isaa isa ammayyaa naasisuu (rifaasisuu) ni danda'a. Dubartootnii fi daamoonni akka qodaatti kan booji'amanii fi hawwaasa haaraatti kan dabalamanii dha (Dhineenis kan isheen ilaalamtu akkuma kanatti).

34:30-31 Yaaqoob kan inni mormuu yaaleef sababii dhufuuf jiru sodaateeti malee, Waaqayyoon amanuudhaan miti. Waaqayyo akka isa eegu kakuu galeeraaf, inni garuu abdii qabu (Uuma. 28:15) irratti osoo hin taanee dandeettii baay'ina irratti hundaa'uudhaan shakkii qabu ibsa.

Akkuma Ribqaa fi Yaaqoob Waaqayyoon qabamanii Yisihqiin dirqisiisuudhaan dubbii raajii sana raawwachiisan (Uuma. 25:13), akkasuma amma immoo ilmaan Yaaqoob, Yaaqoob wanta sirrii akka raawwatuuf isa dirqisiisan (Jechuunis, warra Kana'aanii waliin gaa'elatti galuu dhiisee, gara Bet'el akka dhaqu). Yaadni isaa ammas yeroo lammaffaa Abbo. 8:33-35 keessatti ni raawwatama. Waaqayyo maatii Abrahaam keessatti kaayyoo isaa fiixaan baasuuf, karaa ajaa'iba ta'een hojjeta!!!

34:30

NASB, NRSV,

JPSOA

NKJV

NJB, NREB

LXX

TEV

“Ajeeffatamaa”

“Jibbamaa”

“Foolii gadhee”

“Hamaa/ Jal'aa”

“Eenyummaa koo miitaniittu”

Kun (*Hiphil* INFINITIVE CONSTRUCT (BDB 92, KB 107) kun hiikni isaa akka ajaa'u taasisuu dha (Ba'uu . 16:24 Faar. 38:5). Innis kan itti dhimma ba'ame bifa jechamaan yeroo ta'u, saba sanaan jibbamuu jechuu dha (Ba'uu . 5:21 1Saam. 27:12 akkasumas kutaa kana keessti).

■ “Warra Pheriizonii fi warra Kana'aan” yaada addaa 12: 6 irra ilaali.

SEERA UUMAMAA 35

HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

NASB	NKJV	NRSV	NET	NJB (follows MT)
Yaaqoob gara Beetelitti Jijjiirame	Yaaqoob gara Beetelitti jijjiiramuu isaa	Deemsa Yaaqoob Seekemii garaa Mamiree	Waaqayyo Yaaqoobiin Beeteelitti eebbise	Yaaqoob Beeteelitti
35:1-4	35:1-4	35:1-4	35:1 35:2-4	35:1 35:2-5
35:5-8	35:5-7	35:5-8	35:5-8	
Yaaqoob Israa'eel jedhame	35:8			35:6-8
35:9-15	35:9-15	35:9-15	35:9-15	35:9-10 35:11-13 35:14-15
(10)				
(11-12)				
	Du'uu Raaheel		Du'uu Raaheel	Du'uu Raheelii fi Dhalachuu Biniyaam
35:16-21			35:16-18 35:19-21	35:16-20 Ejjuu Roobeel
	35:16-20		Ilmaan Yaaqoob	35:21-22a
	35:21-22	35:16-21	35:22a	Ijoollee Israa'el kudha lamaan
35:22a				
Ilmaan Israa'eel	Ijoollee Israa'el kudha lamaan	35:22a	35:22b-26	35:22b-26
35:22b-26				
	35:23-26	35:22b-26		Du'uu Yisaaq
	Du'uu Yisaaq		Du'uu Yisaaq	35:27-29
	35:27-29	35:27-29	35:27-29	
35:27				
35:28-29				

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula xxivirraa)

SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

Qo’annoo Jechaa fi Gaalee

- A. Waaqayyo Yaaqoobiin ajaje
 1. Ka’i, BDB 877, KB 1086, *Qal* IMPERATIVE
 2. Deemi, BDB 748, KB 828, *Qal* IMPERATIVE
 3. Jiraadhu, (Kallattiidhaan, jiraadhu), BDB 442, KB 444, *Qal* IMPERATIVE
 4. Iddoo aarsaa ijaari, BDB 793, KB 889, xiyyeeffattuu fi boodas lakk. 11
 5. Hori, BDB 826, KB 963, *Qal* IMPERATIVE
 6. Baay’adhu, BDB 915, KB 1176, xiyyeeffattuu abboomoni kun laaman ajaja Waaqayyoo argisiisu.
 - a. Horiidhaaf, Uuma. 1:28
 - b. Addaamii fi Hewaniif tokkummaatti
 - c. Nohiif, Uuma. 9:1, 7
 - d. Abrahaamiif akkaataa adda addaa ti
 - e. Amma immoo Yaaqoobiif
- B. Yaaqoob maatiin isaa akka qophaa’an ajaje
 1. Waaqolii ormootaa ofi irraa fageessaa BDB 693, KB 747, hiifilii xiyyeeffattuu
 2. Ofii keessan qulleessaa BDB 372, KB 369, hiifilii xiyyeeffattuu
 3. Uffata keessan jijjiiraa BDB 322, KB 321, hiifilii xiyyeeffattuu
 4. Haa kaanu, BDB 877, KB 1086, dabalata, lakk. 1
 5. Haa deemnu, BDB 748, KB 828, kan hin raawwatamin haala dabalataatiin kan dhimma itti baa’ame, lakk. 1
- C. Yeroo Yaaqoob dhuma irratti tole jedhee gara Bet’el dhufetti, Waaqayyo gooftaa (Yaawee) wajjin wal arge (lakk. 9-15).

QO’ANNA A JECHAA FI GAALEE

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:35:1-4

¹ Waaqayyo yommus Yaaqoobiin, “Ka’ii gara Bet’elitti ol ba’i, achi taa’i! ana Waaqayyo isa yeroo ati Esaawuu obbolessa kee duraa baqatteetti sitti mul’ateef, iddoo aarsaa ijaar” jedhe. ² Kana irratti Yaaqoob warra manaa isaa fi namoota isaa wajjin turan hundumaa, “Waaqayyolii ormaa kan qabdan of gidduudhaa baasaa, of qulleessaa, uffata keesanis geddaradhaa! ³ Kottaa gara Bet’el ni dhaqnaa! Ani achitti Waaqayyo isa guyyaa rakkina kootti deebii anaaf kenne, karaa koo hundumaatti anaa wajjin tureef, iddoo aarsaa nan ijaara” jedhe. ⁴ Yommus isaan waaqayyolii ormaa warra isaan harka turan, amartii gurraa isaanii isa qorichummaadhaaf ka’atanis, fidanii Yaaqoobiti kennan inni immoo qilxuu isaa shekemitti dhiyoo jiru jala ni awwaale.

35:1 “Waaqayyo yommus Yaaqoobiin, “Ka’ii gara Bet’elitti ol ba’i, “ bakki itti Yaaqoob yeroo jalqaba duraa itti Waaqayyo gooftaa waliin wal argee dha, Uuma. 28:18-22 35:14. Waaqayyo ofii isaa “Waaqayyo isa kan et’el” jedhee kan waamu yeroo ta’u, Yaaqoobis gara Kana’aanitti akka deebi’u Uuma. 31:13 irratti itti dubbateera.

Gochimi”Ba’i” jedhu (BDB 748, KB 828, xiyyeeffattuu) hubachuun kan danda’aamu karaa lama.

1. Bet’el gara Kibbaatti, Sheekem garuu teessuma lafaa ol ka’aa qaba.
2. Gochimichi yeroo hedduu gara mana qulqullummaa isa jedhuuf itti dhimma ba’ama. Tarii Bet’el bakka itti Waaqayyo waliin taanu bakka bu’uu danda’a.

■ “iddoo aarsaa” “aarsaa” jechi jedhu (BDB 258) hiikni isaa bakka itti qalanii dha. Abbootni iddoo aarsaa hedduu ijaaraniiru.

1. Nohi tulluu Araaraati irraatti, Uuma. 8:20
2. Abrahaam
 - a. Shekemitti, Uuma. 12:7
 - b. Bet’eelitti, Uuma. 12:8
 - c. Kebroonitti, Uuma. 13:18
 - d. Mooreyaatti, Uuma. 22:9
3. Yisahaq Ber-Sahabeetti Uuma. 26:25
4. Yaaqoob
 - a. Shekemitti, Uuma. 33:20
 - b. Bet’eelitti, Uuma. 35:7

Aarsaan seera Musee akka dursu ifaa dha.

35:2 “Waaqayyolii ormaa kan qabdan” “Waaqayyolii ormaa” jechi jedhu (“g” xiqqaa kan heddumminaa) *Elohim* isa jedhu waliin wal fakkaatuu dha (qubee guddaa “G” (God) “Waaqayyo”) lakk. 1 irratti. Hiikni jecha kana dirqamatti haala waliigala yaada barreeffamichaatiin daangeffamuu qaba. Mata duree addaa 12:1 irra ilaali.

Lakkoobsi kun nama ajaa’iba, innis abdii kakuu jiru haareessuudhaaf, qophaa’ummaan hafuura barbaachisaa akka ta’e agarsiisuu isaatiin. Waaqayyoliin ormaa kan argisiisuu danda’an (1) *teraphimisa* Uuma. 31:19, 30 irra jiru (2) waaqayyolii kan biro, Kaaraanii warra dhufan, maatii isaatiin yookiin (3) waaqayyolii Shekemii fidaman, sibiila gati-jabeeyyii irraa kan hojjetaman (Fayidaa dinagdeetiif), oogummaadhaan warra hojjetaman (ፆርሳዊ ዋጋ). Kun aareffamuu kakuu wajjin wal fakkaata, Iya. 24:14, 23 (1Saamu. 7:3).

Qopheen hafuura isa dinqii dha (“Qullaa’aa” gochim jedhu[BDB 372, KB 369] hiifilii xiyyeeffattuu dha kun filannoo hin qabu ture kun Uumama keessatti akkaataa fayyadama gochima kana qofa, garaa Seera Lakkoobsa keessatti amaleeffatamaa dha), dhiqachuudhaa fi uffata geddarachudhaan iyyuu fakkeeffameera (Ba’uu 19:10 Lakk. 8:7, 2119:19). Kanaaf, isa bakkeedhaan mul’atu, fakkeenya namummaa bakkeedhaan mul’atuu kan calaqisiisu kun qophaa’ummaa hafuura keessa yaada garaa walii gala maatii Yaaqoob kan argisiisuu dha. Dhigni du’a Shekem isaanitti ulfaatee ture.

35:3 “Kottaa gara Bet’el ni dhaqnaa!. . . . iddoo aarsaa nan ijaara” Yaaqoob bakka jalqaba Waaqayyo waliin itti wal argetti adeeme (Uuma. 28:18-22). Walitti dhufenya inni Waaqayyo gooftaa waliin qabu kana namni dinqifachuu ni danda’a, Waaqayyo tokko ta’uu isaatiif (Monothest) (Waaqayyo tokko qofa) yookaan anaa fi maatii koof Waaqayyo tokkicha (Henoteist).

35:4 “waaqayyolii ormaa” kun “waaqayyolii tolfamoo mana keessaa” kan argisiisuu dha (Teraafim, 31:19, 30, 34 Abbo. 17:5 I Saam. 19:13 Hose. 3:4, mata duree addaa 31:19 irra ilaali), innis waaqeffannaa dhaalaan dhufe argisiisa. Innis sirriitti idda sanyii maatii Yaaqoob ta’uu danda’a (jechuunis, hojjetoota, lakk. 6b) warra waaqota hedduu waaqeffatan (Polytheist) turan, kanaaf fakkeenya waaqota tolfamaa fudhatanii dhufaniiru ta’a

■ “amartii gurraa isaanii isa ka’atanis” isaan kun mul’inatti waaqota tolfamoo waliin kan wal qabate, qorichummaaf kan kaa’atamanii dha (Hose. 2:13).

■

NASB, NKJV,
NRSV
NET, NJB,
JPSOA NREB

“Dhokse”

“Awwaale”

Hiikni gochima (BDB 380, KB 377, *Qal* IMPERFECT) kanaa kan ta’u “dhoksuu, “ “milksuu, “ yookaan “awwaaluu” dha (Iyo. 40:13). Eenyu jalaa dhoksa? Kun maatii haaraa kan Kaaraan, shaakala waaqeffanna darbee irraa, mallattoo addaan baasuun qulqulleessuu ti.

▣ “qilxuu isaa Sheekemitti dhiyoo jiru jala” hiika isa duraa (SaptuaUma. t) irraa kan hiikamee dha (Peshitta; see note in UBS, *Fauna and Flora of the Bible*, , fuula 154-155). Inni Warra Ibrootaa *erebinth* kan jiedhu qaba (BDB 18). Mukeetiin Kakuu Moofaa keessatti iddoo addaa qabu, yeroo mara iddoo qulqullaa’aa wajjin kan wal qabatanii dha (Uuma. 12:6 13:18 14:13 18:1 Kes. 11:30 Iya. 24:26 Abbo. 9:6, 37).

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:35:5-8

⁵Yeroo isaan ka’anii adeemanitti, namni tokko illee akka isaan hin hordofnetti naasisuun Waaqayyoo mandarota naannoo sana turan undumaa irra ni bu’e. ⁶Yaaqobis namoota isa bira turan hundumaa wajjin gara Luz dhufe innis Bet’el isa biyya Kana’aan keessaa ti. ⁷achitti iddoo aarsaa tokko ijaare yeroo inni obboleessa isaa duraa baqatee adeemetti, Waaqayyoo achitti isatti mul’atee waan tureef iddoo sana “El-Bete’el” jedhee moggaase. ⁸Yeroo sanatti dibooraan, guddiseen Ribqaa duutee, Bet’el godoo qilxuu tokko jalatti ni awwaalamte kanaafis qilxuun sun, “Qilxuu boo’ichaa” jedhamee moggaafame.

35:5 “naasisuun Waaqayyoo mandarota naannoo sana turan undumaa irra ni bu’e” “naasisuu” jecha jedhuuf iddi isaa tj dha (BDB 369, KB 363, 9:2 Iyo. 41:25) akkasumas ttj Iyo 6:21 irratti. Hiikni dubbifamtoota hundee ta’an lamaanii kan ta’uu danda’u”balleessuu” (1Saam. 2:4) yookaan “Jeeqamuu” dha (Erm. 10:2 46:5). Bocni gochima kan keessa jiru ttj dha, as qofa keessatti kan argamu.

Barreeffamoota waa’ee lolanii mo’icha argachuu dubbatan keessatti jechi kun fayidaa irra hin oolle yoo ta’e illee, yaada waa’ee “Lola qulqullaa’aa” wanta tokko ibsuu barbaadeeti (Kallattiidhaan, “Sodaachisuu Waaqayyoo” Ba’u. 15:16 23:27 Iya. 10:10). Bu’aadhaaf (Biyya Bahaa dhiyoo ishee durii) duulli raayyaa waraanaa kan geggeeffamu waaqa biyya sanaan ture. Inni kan argisiisu waa’ee du’a Shekem (Uuma. 34). Akkataa addaa fi karaa hubachuun danda’amuun Waaqayyoo Yaaqoob waliin ture.

Waaqayyoo uumaa hundumaa (*elohim*) kan itti dhimma ba’ame “Sodaa guddaa” isa jidhuuf akka ibsaatti jechuun ni danda’ama, 23:6 (NASB, NREB).

35:6 “Luz” Uuma. 28:19 irraa akka hubannu Yaaqoob Waaqayyoo waliin kan wal arge magaalaa Kana’aan kan irraa achi siqee yeroo ta’u bakka sanas “Bet’el” jedhee moggaaseera. Bara sana hunda warra Kana’aan magaalaa kana “Luz” jedhanii waamu turan (BDB 531 II, hiikni isaas “Muka la’uzii” jechuu dha) Yihudoonnis iddoo sana maqaama Yaaqoob yeroo Waaqayyoo wajjin itti wal arge “Bet’el” hiikaan isaa “Mana Waaqayyoo” sanaan waamu turan (BDB 110).

35:7Yaadannoo 26:25. irra jiru ilaali.

▣	
NASB, NRSV	“El-Bet’el”
NKJV, NJB,	
JPSOA	“El-Bet’el”
TEV	“Waaqayy Bet’el”

Abbootni durii bakka itti Waaqayyoon argan moggaasaniiru. Bakki cina Luzitti argamu kun bakka jalqaba Waaqayyoo itti gara Yaaqoob dhaqee dha. Inni akka ta’utti yaadata! Kanaaf ammas yeroo lammaffaa “El mana El” “Bet’el” jedhee moggaase, sababii ergamootaaf (Iyo. 1:6, Faar. 8:5 yookaan walitti qabama ergamootaa kan argisiisu, Uuma. 1:26, 1Moot. 22:19) yeroo isaan ol ba’anii fi gad bu’an, Waaqayyoo gooftaan immoo yaabbanno sana cinaan dhaabatee.

▣ “Waaqayyoo ofii isaa mul’iseera” Waaqayyoo kun maqaan isaa “Elohim”, heddummina kan argisiisu. Yeroo mara Waaqayyoo tokkichaaf fayidaa irra yeroo oolu gochima baaqqeedha, asitti garuu kan heddumminaa ti (BDB 162, KB 191, *Niphal* PERFECT PLURAL). Kunis tarii (ABD jildi 1, fuula 270) ta’a, sababiin isaas Uuma. 28:12 irratti *Elohim* kan dhimma itta ba’ame ergamoota Waaqayyoo waliin haala wal qabatee dha. Dhugummaan jecha elohim kunii fi gochim heddumina argisiisu kun darbee darbeeti malee yeroo mara miti.

Ni danda'amas immoo dha, gochimi yeroo raawwatamaanii fi gochimi hedduumina argisiisu mul'ata raawwatamaa argisiisuu dhaaf.

35:8 “dibooraan, guddiseen Ribqaa duutee, “ Ibsi kun dhugabaatuu ijaa/ madda bara sanaa kan argisiisuu dha! Dibooraan Uuama. 24:59 eegaltee hojjettuu amanamtuu turte. Isheen raawwattee dulloomteetti. Isheen kan isheen awwaalante, iddoo qulqullaa'aa isa kan biraa, Qilxuu isa Sheekemitti dhiyoo jiru jalatti ta'uu isaa yaadadhu (BDB 1065). Maqaan iddoo sanaas (Qilxuu boo'ichaa” jedhamee waamameera (BDB 47 fi 113).

■ **“gajjallaan ... jalatti”** jechootni kun ibsamuu kan barbaachiseef Ingiliffaan isaa sababii wal dha'uuf. (BDB 1065) Ifa taasisuun kan jara barbaachiseef ingliffaan waan hiika adda addaa qabaataniifiidha.

1. Bet'el gajjallaatti, kan argisiisu iddoo aarsaa sana irraa iddoo gad aanaa dha
2. Jalatti, jechuun hundee qilxichaa jalatti jechuu utuu hin taane, gaaddisa dame isaatii jalatti jechuu dha.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:35:9-15

⁹Yeroo Yaaqoob Phaadaan-aaraamii dhufetti, Waaqayyo deebi'ee isatti mul'atee isa eebbises. ¹⁰ Waaqayyo, maqaan kee Yaaqoob, si'achi garuu maqaan kee, 'Israa'el' jedhama malee, 'Yaaqoob' hin jedhamu” jedheen kanaaf akkuma Waaqayyo isa moggaasetti maqaan isaa 'Israa'el' jedhame. ¹¹ Waaqayyo yommuu ani, “Ani Waaqayyo isa hundumaa danda'uu dha huri, baay'adhus! Sabni, tuutni sabaas si irraa ni argamu, moototnis mudhii kee keesaa ni ba'u ¹²biyya isa ani abrahaamii fi Yisahaqiifis kenne, siif nan kenna” jedheen. ¹³ Kana booddee Waaqayyo iddoo isatti dubbate sanatti isa dhiisee biraa ol ba'e ¹⁴Yaaqoob dhagaa tokko utubaa seenaa godhee ol qajeelchee, iddoo itti Waaqayyo isatti dubbate sana dhaabee, kenna dhugaatii irratti dhangalaasee, dhadhaa ejersaas dibe. ¹⁵ Kanaaf Yaaqoob maqaa iddoo Waaqayyo isatti dubbatee sana “Betel” jedhee moggaase.

35:9-12 kakuu haressuunii fi of kennuun kun isa Uuma. 28:13-15 irra jiru waliin kan wal fakkaatuu dha. Yeroon wal argee kun adda hin bane. Innis isa Uuma. 32: 28-32 yookaan isa Waaqayyo gooftaan (Yaaween) maqaa Yaaqoob Israa'elitti jijjiire cimsuudhaaf deebii ta'e fakkaata.

35:10 “Yaaqoob ... Israa'el”NASB lakk. 10 fi lakk. 11-12 kan hiikamu akka ቅኔ ነው. Kunis lakk. 10 irra deebi'amuu waliin wal sima akkasumas Uuma. 12:1-3 15:1 fi 17:1-5. TeofanisBifa Waaqayyo ittiin mul'atu)

Kan nama ajaa'ibu hundee jecha (Root word) “Israa'el” jedhuu wanta qabatamaa dhabuu keenya. Mata duree addaa 32:28 irra ilaali.

35:11 “Ani Waaqayyo isa hundumaa danda'uu dha” kun kan Warra Ibrootaa, El-shaadaayi waliin kan wal makatee dha (BDB 42 fi 994). Ba'uu . 6:2-3 irraa akka hubnutti, inni Uumama keessatti Waaqoof maqaa beekamaa ture (17:1 28:3 35:11 43:14; 48:3). Innis kan caaseffame jecha El jedhu irraa fakkaata (BDB 42), innis Waaqayyoof akka maqaa walii galaa ture (Biyya Bahaa dhiyoo ishee durii), tarii immoo “Jabaa kan ta'e” yookaan “Cimaa kan ta'e” idda (Root) jedhuu fi *Shaddai* jecha jedhu (BDB 994), innis tarii kan wal qabatu harma dubartii waliinii dha (ydv BDB 994, Uuma. . 49:25). Hiikni yaadamu inni biraan “Hundumaan Waaqa ga'aa” yookaan kan warra Raabii “Of ga'aa” isa jedhuu dha, Lakko. 24:4, 16, NASB irratti “Isa hundumaa danda'u” jedhee kan hiikame yoo ta'ellee. Innis Israa'eloota warra hin ta'in Iyyoobii fi Bala'amiin itti fayyadamameera. Maqaan kun yeroo mara kan wal qabatu eebba Waaqayyoo waliin (Uuma. 17:1 28:3 35:11 48:3-4). Mata duree addaa 12:1 irra ilaali.

Kes. 32:17 irratti iddi (root) wal fakkaataan (dv BDB 993) kan hiikame “Hafuura hamaa” isa jedhutti (Jecha Sooriyaa isa ergifatame).

■ **“huri, baay'adhus!”** 17:1 fi 28:3 irra yaadannoo jiru iaali. Kun Uumama 1 eegalee itti gaafatamummaa Waaqayyoo ture (Bineensotaaf, ilmaan namaaf, fi maatii kakuu addaa warra ta'aniif).

■ **“Sabni, tuutni sabaas si irraa ni argamu”** kun mul'iinatti sanyii Yaaqoob kan argisiisu yeroo ta'u (48:4), garuu immoo saba bal'aas ni argisiisa (jechuunis, “Bifaa fi fakkeenya Waaqayyootti warra uumaman, “ Uuma. 1:26-27).

1. Abdii Waaqayyo abdachiise Uuma. 3:15
2. Akkaataa itti Waaqayyo Abrahaamiin waame Uuma. 12:3

3. Maqoolee Waaqayyoo Israa'eliif akkasumas kaayyoo ishee Ba'u. 19:5-6
4. Yaada Isaayas isa walii galaa "Ormoota" akka keessatti ammataman
5. Jecha isa Yeeus dhagaa golee jedhu, Mat. 28:19-20 fi Luq. 24:47 fi Ho. Erg. 1:8 irra deebi'amee Waldaa Kiristiyaanaatiif dubbatame
6. Lallaba Ho. Ergamootaa irraa fi Ergaalee Phaawulos
7. Ergaawwan mul'atoo Galatiyaa 3 irra jiranii fi ergaa Ibra waa'ee Kakuu Moofaa

Gaaleen isaa kaayyoon ciigoo kanta'e dha, fayidaa ajaa'ibsiisaa hubannoo Macaafa Qulqulluu of keessaa qaba!

■ **“moototnis mudhii kee keessaa ni ba’u”** gaalee kana karaa lama ilaaluun ni danda'ama.

1. Kallattii haala barreeffamaa “Tuuta sabaaf”
2. Kakuu Abrahaam waliikn qabu karaa ittiin argisiifamu (17:6, 16)

Yaaqoob madda “Gosaa” yeroo ta’u Abrahaam garuu, madda “Moototaa”ti.

35:12 Kakuun Abrahaamiif jalqabatti kenname kun, irra deebi'amee jabaachuu isaati (13:15 26:3 28:13). Abdiwwan Waaqayyo gooftaa maatiif ture, idda sanyitiif! Isaan keessaa tokko tokko warren biro caalaatti, jaboo fi namoota hafuuraa tura. Abdiin kun warren “Ulfiina qabaniif” hin turre, garuu abdi fayisuu Waaqayyoo isa bara baraa raawwachuudhaaf, innis uumama hundumaaf, namoota fakkeenya isaatti uumaman hundaaf (Uuma. 1:26-27)! Innis abdi mucaa namaa isa kufee ti (Uuma. 3:15), isaan oolchuu irra Waaqayyo nama tokko filate, karaa sana hundumaa filachuudhaaf!

35:13 **“Waaqayyos isa dhiisee biraa ol ba’e”** **“ol ba’e”** gochim jedhu (BDB 748, KB 828) kallattii hiikumsaa hedduu qaba (“ol Ba’uu n, “gara samiitti ol Ba’uu “Ba’uu , “Daraaruu, “Aarsaa, “Deebi’uu, “Michoomuu, “fi kanneen biro. Asitti yeroo Waaqayyo nama dhiisu kan ta’e ibsa addaati (17:22). Warri durii kan amanaa turan Waaqayyoo fi mootummaan Waaqayyoo “ol waaqa irra”, firdiin immoo”gad lafarra” akka ta’ee dha. Aarri aarsaa ol gara Waaqayyootti ol ba’a (8:20 22:2, 13). Waaqayyo tulluu/ waaqa irraa dubbata (Ba’uu 19-20). Ergamoonni Waaqayyoo ol ba’u gadis ni bu’u (28:12).

Amma egaa dhalootni haaraan bal’ina uumama lafa irraa ni beeku, ibsitootni hedduun akka jedhanitti iddoo Waaqayyoo agarsiisuuf ni wayya kan isaan jedhan ol waaqa irra utuu hin taanee bal’ina isa bifa hedduu qabuu dha. Mootummaan Waaqayyoo nama malee, bakki isaa barbaachisaa miti.

■ **“iddoo isatti dubbate sanatti”** gaaleen kana fakkaatu lakk. 14 irrattis dubbatameera. Irra deddeebiin kun dogoggora nama barreessuu ishee ilaalcha keessa hin gallee dha (Barreeffama irra deddeebi’ama).

35:14 **“Yaaqoob dhagaa tokko utubaa seenaa godhee ol qajeelchee”** kun duratti Bet’elitti isa inni godhee dha (Uuma. 28:18, 19, 22). Akkasumas boqonnaama kana keessatti lakk. 20 irratti awwaala Raahel irra utubaa dhagaa dhaabeera. Utuboonni dhagaa kun dhugaa gurguddaa kan argisiisanii dha.

■ **“dhangalaasee.... . dhadhaa ejersaas dibe”** fayyadama gochimaa garaagaraa lamatu jira.

1. Inni jalqabaa, BDB 650, KB 703, *Hiphi kan Iraawwatame*, aarsaa dhugaatii kan argisiisuu dha (BDB 651)
2. Inni lammaffaan, BDB 427, KB 428, kan hin raawwatamin, dhadhaa ejirsaa kan argisiisuu dha (BDB 1032, 28:18) kan fayyadus dibata qulqullaa’aa addaatiif, Kes. 29:7 Lew. 8:12

35:15 Bakka mul’ataa kana moggaasuun Yaaqoob yeroo sadii barreeffameera. Namoonni tokko tokko akka namoonni adda addaa barreessaniitti ilaalu (J. E. D. P), akka kootti garuu, HoEirratti isa galmaa’e, yeroo sadii geddaramuu Phaawulos waliin wal fakkaata. Kun dhugaa waaqa irraa isa guddaa ture. Waaqayyo gooftaan ofii isaa Yaaqoob/Israa’elitti mulliseera!

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:35:16-21

¹⁶ Isaan Bet’elii ka’anii ni adeeman biyya Efiraataa ga’uudhaaf amma illee waa hafee utuu jiruu Raahel da’uudhaaf ni ciniinsifatte, ciniinsuun ishees jabaa ture. ¹⁷ Utuu sheen da’uudhaaf ciniinsuu jabaa sana keessa jirtuu deessiftuun ishee, “Ammas immoo ilma dabalachuuf waan jirtuuf hin sodaatin!” ittiin jette. ¹⁸ Raahel du’uudhaaf yeroo hafuurri ishee Ba’uu f jettetti, maqaa mucichaa “Benonii” jettee moggaafte abbaan isaa garuu “Beniyaamin” jedhee moggaase “Benoni” jechuun “Ilma gadda koo” jechuu yommuu ta’u, “Beiyaam’ immoo “Ilma Mirga koo” jechuu dha. ¹⁹ Raahel duutee, karaa Efiraataa dhaqu irratti ni awwaalamte inni amma “Betlehem” jedhama. ²⁰ Yommuu Yaaqoob utubaa tokko awwala ishee

irra ni dhaabe inni utubaa awwaala Raahel isa amma har'aatti iyyuu achuma jiruu dha. ²¹ Israa'el achi adeemee, riqaa Edar garasitti godoo dhaabbate.

35:16 “Efiraataa” kunis karaa addaa isa Bet'elim ittiin Yihudaa keessatti mul'atee dha (Mik. 5:2). Bet'elemoonni kna biroon turaniiru, Efiraataan garuu, inni Yerusaalemitti dhiyoo jiru karaa ittiin ibsamuu dha, innis booda isa magaalaa Daawwiti ta'e, bakka dhaloota Masiyichaa.

■ **“ciniinsuun ishees jabaa ture” goochimni kun** (BDB 904, KB 1151) *Piel* keessatti stem kan jedhu Kakuu Moofaa keessatti bakka kana qofatti argama.

Maatiin filataman gidraa arganii obbaafatiinirus (27:1) Akkuma saboonni garri biraa kufaatiidhaan miidhaman. Waaqayyo itti fufanii jiraachuu isaanii gidduu galeera, garuu jaraaf michoomina fi salphaa miti (Gordon Fee, *The Disease of the Health, Wealth Gospel*) kan jedhu ilaali.

35:17 “da'uudhaaf ni ciniinsifatte” gochimi kun (BDB 431, KB 432, kan hin raawwatamin haala cimsuutiin kan gale) waan nama dinquu dha. Tarii akkas ciniinsifachuun ishee du'a ofii isheetiif ta'a jedhamee ni yaadama ta'a, barreeffama isaa keessatti garuu, waa'een cininsuu isheetii mucaa dhiiraa fayyaa ta'e da'uuf akka ta'etti dursa kenna (1Samu. 4:20). Kunis immoo raawwii gaaffii isheen Uuma. 3o:24 irratti Waaqayyoon gaafattee fakkaata.

35:17 “do not fear”The VERB (BDB 431, KB 432, *Qal* IMPERFECT used in a JUSSIVE sense) is somewhat surprising. One would think she would be contemplating her own death, but in context the healthy birth of a male son is priority (cf. I Sam. 4:20). This seems to fulfill the request she expressed to God in 30:24.

35:18 “hafuurri ishee Ba'uu f” “Hafuura” jechi Warra Ibrootaa isaatii Neefish (*nephish*) dha (BDB 659). Falaasummaa warra Girik Macaafa Qulqulluu warra Warra Ibrootaa wajjin akka waliin hin makneef, eeggannoo gochuu qabna. Kakuu Moofaan nuti hafuura akka taane malee, hafuura qabdu nuun hin jedhu (Uuma. 2:7). Jechi “hafuura” jedhu jecha warra Akaadiyaan “Naafishtuu” jedhu irraa yeroo ta'u, innis karaa ittiin hafuura baafatnu keessaa morma keenya kan argisiisuu dha (Faar. 69:2). Dhugaan namni adda ta'uu isaatii, hafuura waan qabaataniif miti, beneensotni iyyuu hafuura qabu (Uuma. 1:21, 24 2:19 Lew. 11:46 24:18). Kun jechama warra Warra Ibrootaati iyyuudha, innis namni tokko yeroo hafuurri isa keessaa baatu, fooniin jiraachuun asuma lafa irratti raawwatama isa jedhuu dha.

■ **“maqaa mucichaa “Benonii” jettee moggaafte abbaan isaa garuu “Beniyaamin” jedhee”** Hiikni maqaa Raahel moggaaftee” Ilma gadda koo” jechuu yaerr ta'u (BDB 122), Yaaqoob garuu, “Ilma mirga koo” isa jedhutti jijjiiree jira (BDB 122). Kun bakka oogummaa, fi gargaarsaa ti. Akka barreeffama gabatee Maarii irraa hubatnutti jechi kun kan ta'uu danda'u “Ilma Azeeb (Kibba)” (Bakki dhaloota isaa, Kana'aan).

35:19 (“Betlihem” jedhama”) (Maqaan iddoo 35:6, 27 36:1 fi gaaleen inni 35:20 irratti **“amma har'aatti iyyuu”**) jedhu gulaaltota warra boodaan kan itti dabalame ta'a. Ta'e iyyuu ani akka dhuunfaa kootti, macaafni Kakuu Moofaa hedduun isaa Museedhaan akka ta'ettan fudhadha. Akkasumas harki gulaaltota hedduu, barmaatileen barreeffamaa fi jechaa, abboota irraa, Museedhaan akka itti dhimma ba'ame nan amana. Gulaaltota turan jedhamanii kanneen yaadaman keessaa- Iyyaasuu, Saamu'el, Barreessaa Macaafa Moototaa, Izraa, Ermiyasii, fi yookaan immoo Luboota turan.

35:21 “riqaa Edar” maqichis “Miigdaal-Edar” jechuudha. Miigdaal (BDB 153) hiikni isaa iddoo dhaabbatanii eeggatan yero ta'u, bakkeewwan hedduu waliin walitti dabalamanii fayidaa kennu (Jechuunis, Iya. 15:37 19:38). Inni kun Betlihemitti dhiyoo dha (Mik. 4:8). Edar (BDB 727) karra yookaan looni jechuudha. Riqaan dhagaa kun yeroo looni eegan, irra taa'anii to'achuuf kan gargaaruu dha.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:35:22

²²Israa'el iddoo sana buufatee utuu jiruu, Ruuben gara Bilhaa saajjatoo abbaa isaa dhaqee, ishee wajjin ciise Israa'elis waa'e kanaa ni dhaga'e.

35:22 “Ruuben gara Bilhaa saajjatoos abbaa isaa dhaqee” gochi sirrii hin taane kun fedhii dhaala argachuu barbaaduu waliin kan wal qabatee dha (Jechiinis, 1Moot. 2:13-25). Ruuben abbaa isaa dirqisiisuudhaan dura bu’aa gosaa jedhee akka isa moosisuuf yaalii taasiseera. Sababii kana irraa kan ka’e galagalchii iyyuu tuffatamuudhaan ifatame (Uuma. 49:3-4, 1Seena 5:1). Waaqayyo akkuma yaada isaa karaa dubartoota abbootaa warra dhabduu jedhamanii raawwate, Uumama keessattis kaayyaa isaa isa addaa sana karaa ilma Liyaa isa afuraffaa raawwachuuf, idda sanyii Masiyichaa akka ta’uuf iyyameera (Jechuunis, Yihudaa).

■ **“Israa’eli. . ni dhaga’e”** Saptu’aUma. ti, “Wanticha akkaataa gaddisiisaa ta’een dhaga’e” isa jedhu itti dabala (NET, NIV). Kun Macaafa Qulqulluu irratti hin argamu. Hiikni macaafa Saptu’aUma. ti kan inni akka dabalataatti fudhate yookaan qaama barreeffama Warra Ibrootaa isa durii, isa gogaa irratti bareeffamee haa ta’uu waan beeknu hin qabnu.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:35:22b-26

²² Israa’el iddoo sana buufatee utuu jiruu, Ruuben gara Bilhaa saajjatoos abbaa isaa dhaqee, ishee wajjin ciise Israa’elis waa’e kanaa ni dhaga’e. ²³ Ilmaan Liyaan deesseef, Ruuben ilma Yaaqoob isa angafa, Shimi’on, Lewii, Yihudaa, Yisaakor, Zebuloon ²⁴ ilmaan Raahel immoo Yoosef, Beniyamiin ²⁵ ilmaan Bilhaa xomboree Raahel, daan, Niftaalem ²⁶ ilmaa Zilfaa xomboree Liyaa immoo Gaad, Asher ilmaan Yaaqoob warri Phaadan-Aaramitti dhalataniif isaan kana turan.

■ **“Ilmaan Yaaqoob kudha lama”** maqaawwan kana waliin wal qabatee immoo, hundeen jechaa beekamaan, bifa gegeeddaramaa akka qabu Uuma. 49 nu hubachiisuu ni danda’a.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:35:27

²⁷ Yaaqoobis mandara Mamreetti Kiriiyat-arbaa isa **“Kibroon”** jedhamutti abbaa isaa Yisihaaq bira dhufe kunis iddoo abrahaamii fi Yisihaaq akka ormaattii buufatan ture.

35:27 **“Yaaqoobis mandara Mamreetti... abbaa isaa Yisihaaq bira dhufe”** kunis maqaa kan biroo isa qilxuu Sheekem biraa ture (Uuma. 13:18 14:13 fi 18:1). Yaaqoob Kana’anitti erga deebi’een booda, abbaa isaa ilaaluudhaaf, yeroo hagamii akka turu, haala yeroo isaatii wan beeknu hin qabnu. Tarii kun seenaa deebi’uu ti.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:35:28-29

²⁸Barri Yisihaaq jiraate waggaa dhibbaa fi saddettama (180) ture ²⁹Yishaqis dullomee baras quufee du’e, gara saba isaattis ni sassaabame ilmaan isaa Esaawuu fi Yaaqoob isa ni awwaalan

35:29 “Yishaqis...baras quufee du’e” Yishaq bara dheeraadhaaf namummaan isaa dadhabee jiraachaa ture (27:1). Yaaqoob waggoota digdamaaf abbaa isaa irraa addaan ba’eera, abbaan isaas akkuma Yaaqoob irraa addaan ba’een nan du’a jedhee of yaada ture. Kun kan argisiisu abboonni (Patriarch) eebba Waaqayyoo kan qaban yoo ta’an illee, dhukkubnii fi miidhamni qaamaa yeroo dheeraaf akka isa irraa turee dha

■ **“ilmaan isaa Esaawuu fi Yaaqoob isa ni awwaalan”** Yisihaqii fi Ishma’el abbaa isaan ii Abrahaamiin awwaaluudhaaf akkuma deebi’anii dhufa, ijoolleen kun lamaan, Esaawuu fi Yaaqoob abbaa isaanii awwaaluudhaaf waliin turan. Kun mul’inatti dhugaa aadaa isa bu’a qabeessa.

■ **“gara saba isaattis ni sassaabame”** hiikni gochimi isaa (BDB 62, KB 74, niifilii hin raawwatamin) “Sassaabamuu” yookaan “Darbuu” jechuu dha. Innis jechama, namni tokko yeroo du’u maatii isaa waliin akka walitti dabalamu (Jechuunis, 25:8, 17 35:29 49:29, 33 Lakk. 20:24, 26 27:13 31:2 Kes. 32:50). Waa’een jireenya du’a booddee Kakuu Moofaa keessa jiru gabaabaa fi wallaalchisaa dha (Ilaalcha waa’ee du’aa ka’uu macaaf Iyyoobii fi macaafa Faarfannaa irra darbee darbee jiru yoo ta’e malee).

Innis kan of keessatti haammatu

1. Jechama du’a nagaadhaan du’aniif
2. Jechama awwaalcha maatiitti awwaalamuuf ta’e

3. Jechama namoota jaallatanii wajjin deebi'anii wal arguu (Jechuuni, raga du'a booddee qaamaan jiraachuu tiif). *Hard Sayings of the Bible, fuula* 127-129 ilaali.
4. Jechama warra isaan jaallatan hanga Waaqayyo du'aa isaan kaasutti eeguuf (Iyy. 14:14-15 19:25-27 Faar. 16:10 49:15 86:13 Hisq. 37 Daan. 12:2-3 Hos. 13:14). Kakuu Haaraa keessaa guutumattii kan ta'uu danda'au 1Qor. 15.

35:29 “dullomee baras quufee” kun jechama umurii dheeraa jiraachuu ti. Duutni nama hundumaatti akka xumura uumamaan keenameetti ilaalama. Umurii dheeraan akka eebbaatti ilaalama ture. Duutni nama dulloomeef michuu amanaa ture (Ammas taanaan akkasuma)!

Gaaffiiwwam mree

Kun qajeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan.

1. Yaaqoob maaliif amma sheekem qofaatti adeeme, Maliif amma Bet'elitti hin deemne?
2. Heeyaawonni eenyu fayi?
3. Ejjuun yeroo marayyuu yakka gadhee turee yookiis eera Musee booda kan eegalee dha?
4. Roobel, Shimi'on, fi Leewwiin geggeessitoota gosa abbootaa ta'uu ni dhorkamanii?
5. Waaqolii tolfamoon warri Yaaqoob Uuma. 35:2 irratti caqase warren kam?
6. Amartiin gurraa warri 35:4 irratti argaman fakkeenya maalii ti?
7. Mkeetiin namoota Horsiisee buloota jiraattota bosonaa ta'an kanaaf akka bakka qulqullaa'aatti kan ilaalame maaliif ture
8. Yaaqoob maaliif yeroo fi bakka adda ta'etti dhagaa yaadannoo dhaaba? Boodas maaliif dhorkame?
9. Hafuura qabnaa yookiis ofuma keenyaaf hafuura? Maaliif?

SEERA UUMAMAA 36

HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

NASB	NKJV	NRSV	NET	NJB (follows MT)
Eesaaw ni ni dhaqa	Maatii Eesaw	Tarreessa Edoomotaa	Dhalootee Eessaaw	Ijoollee Eessaw fi haadha
36:1	36:1-8	36:1-5	36:1-5	manoota isasa Kana'aniitti
36:2-5		36:6-8	36:6-8	36:1-5
36:6-8				Eessaawun Bakka bakka nanaanna'uu isaa
Dhalootee Eessaaw				
36:9-14	36:9-14	36:9-14	36:9-13a	36:6-8
				Dhalootee Eessaaw Seyiritti
			36:13b	36:9
	Gootota Edoom		36:14	36:10
	36:15-16	36:15-19	36:15-16	36:11-12
	36:17		36:17	36:13
36:15-19	36:18-19		36:18-19	36:14
			Ilmaan Siir	Angafoota qomoo Edoom
				36:15-16
	Ilmaan Siir			36:17
				36:18
36:20-30	36:20-30	36:20-30	36:20-21	36:19
			36:22	
			36:23	
			36:24-26	Dhaloota Seyir Horitoota
			36:27	36:20-28
			36:28	
	Mootota Edom		36:29-30	
36:31-39	36:31-39	36:31-39	Mootota Edom	
	Angafoota Esaaw		36:31-39	
36:40-43	36:40-43	36:40-43		

36:40-43

36:29-30

Angafoota Edom

36:31-39

Angafoota qomoo Edoom

36:40-37-1

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula vii irraa)

SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAА ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun qaleelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

HUBANNOO HAALA GALUMSAA — Waltti dhufeenya Israa’el gosoota Esaawuu waliin (Jechuunis, Edom)

- A. Sababii waliif fira ta’aniif, Israa’el Edom waliin walitti dhufeenya addaa akka qabaatuuf abboomameera.
 1. Seera Lakk. 20:14
 2. Seera Kees. 23:7, 8
- B. Rokkoolee edduun Israa’elii fi Edom gidduu yeroo dheeraadhaaf tureera.
 1. Lakk. 20:14-21
 2. Abbo. 11:16-17
 3. I Saam. 14:47-48
 4. II Saam. 8:14
 5. I Moot. 11:14-25
 6. II Moot. 14:22 16:5, 6
 7. II Seenaa 20:10-30 21:8-15
 8. Amos 1:6, 9
- C. Edom irratti raajiwwan hedduutu jira
 1. Isaayas 34:5 63:1
 2. Ermiyas 49:7-22 Faaru Erm. 4:21, 22
 3. Hisq. 25:12 35:1 36:2-6
 4. Amos 1:11, 12
 5. Abdiyu
- D. Boqonnaan 36 idda sanyii Esaawuu ti, innis raajii Uuma. 27:39-40tti jiru kan calaqqisiisuu fakkaata. Innis gaalewwan irra deddeebi’aman irraa ifa ta’a (“Isaan barreeffaman kun sanyii----- ti” 36:1 irratti argamu, kunis Museen yaada isaa qoqqooduudhaaf karaa inni ittiin namoota Kakuu Mooffaa kanatti

fayyadamee dha (Jechuunis, Uumama), jalqaba saba Ibra (2:4 5:1 6:9 10:1 11:10, 27 25:12, 9 36:1, 9 37:2). Warreen idda sanyii masyichaa ta’an bakka ballaanii fi xiyyeeffannaa guddaan kennameeraaf.

E. Mata duree gabaabaan boqonnaa kanaaf ta’uu danda’u

1. lakk. 2-9 ilmaan Esaawuu Kana’aan jiru
2. lakk. 10-14 ilmaan, ilmaan Esaawuu Si’iiri jiru
3. lakk. 15-19 fi 40-43 sabni Edom dura buutota gosaati
4. lakk. 20-30 bulchitoota biyyaa iddoo sana turan tarreessa
5. lakk. 31-39 mootota Edom warra bodaa ti (Ibsa wal fakkaataa 1Seenaa. 1:35-54 irratti argama)
6. lakk. 40-43 maqaa bulchitoota warra Esaawuu keessaa ba’anii ti

QO’ANNA JECHAA FI GAALEE

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa: 36:1

¹ Iddi dhaloota sanyii Esaawuu isa “Edom” jedhamu, kanatti fufee ni lakkaa’ama.

36:1 “Isaan kun sanyii warra galmeeffamanii ti” kun gaalee kutaa macaafa seera Uumamaa adda taasisuuf irra deebi’amee dha (2:4 5:1 6:9 10:1 11:10, 27 25:12, 19 36:1, 9 37:2). Gaalee kana keessatti gochim tokko hin jiru.

■ “Esaawuu, (ħiinis, Edom)” kun jalqabni warra Edom debi’ee gara obboleessa Yaaqoob Esaawuutti firoomuu isaanii kan mirkaneessu yeroo ta’u, kunis yaada boqonnaa kana keessatti irra deddeebi’amuu dha (8, 9, 19, 43. Walitti dhufeenyi Esaawuun Edom waliin qabu Uuma. 25:25, 30 keessatti addaan kaa’ameera).

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:36:2-5

² Esaawuun dubartoota isaa dubartoota Kana’aan keessaa fuudhe warri inni fuudhe kunis isheen tokko Aadaa, intala Elon nama gosa Heet isheen kaanis Oholiibaam intala Aannaa ilma Zibe’on nama Hiiwoo turte ³ isheen biraas Basmat intala Eshma’el, obboleettii Nabaayoot . ⁴ Dubartootni isaa kunis ilmaan ni godhataniif Aadan, Eeliifazin deesseef Basmaat, Rewu’elin deesseef ⁵Oholiibaamaan immoo Ye’ush. Yaalamii fi Qoraahin deesseef ilmaan Esaawuu warri biyya Kana’aanitti dhalataniif isaan kana turan.

36:2 “Esaawuun dubartoota isaa dubartoota Kana’aan keessaa fuudhe” maqaan dubartoota Esaawuu warra Kana’aanota bakka garaa-garaa sadiitti galmaa’eera: uuma. 26:34, 35 28:8 fi 36:2. Ta’e iyyuu, rakina kan ta’u yaadoleen kun sadan maqaa dubartoota kanaan gargara ta’uu isaanii ti. Wal faallessuun kun karaa garagaraatiin mul’ateera: (1) Kunis dubartoota sadii hin turre, afur malee, fi (2) Dubartootni kun maqaa tokkoo ol qabu. Barreeffamicha irraa ifaa kan fakkaatu Esaawuun yoo xiqqaate Kana’an keessaa dubartoota lama qaba akka ture, akkasuma intala Ishma’el tokko.

■ “Aadaa, intala Elon nama gosa Heet” Uuma. 26:34 keessatti intalli Elon nama gosa Heet kan isheen waamamtu maqaa Basamat jedhamuun ture (BDB 142). Kun waan hin shaakalaminii dha, jechuunis, maqaadhumi kun Uuma. 36:3 irratti intala Ishma’eliif itti dhimma ba’ameera. Tarii Raashii inni jedhu kun maqaa dubartootaaf kan beekame ta’uu ni danda’a, sababiin isaas foolii gaarii fi ixaana waliin waan walitti dhiyaatuuf ta’uu danda’a (BDB 141). Aadaan Yihudootaa Esaawuu balfachuu isaa kan mirkaneessu maqaan isaa ixaana waaqota tolfamoof aarfamu waliin wal fakkaachuu isaati, kanaaf ishees waaqa-tofamaa akka waaqessitu ishee taasisera

“Nama Heet” jechi jedhu (BDB 366) Kakuu Moofaa keessatti gosa adda addaa sadiif dhimma itti ba’ameera.

1. Warri beekamuun Heetota jedhaman kun jiraattota giddu galeessa Eshiyaa ishee xiqqooti (Jechuunis, isaan dhaloota Kiristoos dura Bar-Kumee sadaffaa keessa afaan warra Heet dubbatu). Isaan warra Seem yookaan Yihudoota warra Awuroophaa hin turre.
2. Werartootni Yihudoota Awuroophaa dhaloota Kiristoos dura bar-Kumee lammaffaa keessa (Jechuunis, isaan kan dubbatan Neesaayitii dha) impaayera (Empier) ballaa

3. Sanyii Heet (Uuma. 10:15 23:3, 5, 7, 10, 16, 20 25:10 27:46 49:32). Isaanis gosa Kana'aa jiraatan kurnan keessaa isa tokkoo dha.

Gosa adda addaa kana sadan maqaa tokkoon waamuun jeequmsa guddaa uumeera.

■ **“Oholiibaam”** hiikni maqaa kanaa “Dunkaana iddoo ol ka’aa” jechuu dha, (BDB 14), ta’u iyyuu immo, akka walitti dhufeenya hundee jechaa isaaniitti, maqaan kun hundi baay’ee morkisiisoo dha. Hiikni jecha hundeen isaa isa waliin wal fakkaataa ta’ee “Muka, “ “Muka baala dhabeessa, “ “Kan ibsu, “ yookaan “Qullaa’aa ta’uu” dha. Dubartoota Esaawuu sadan keessaa intallumti kun Uuma. 26:34-35 keessatti Yodiit jedhamtee waamamteetti. Raashiin akka jedhu, Esaawuun maqaa ishee jijjiireera (BDB 397 II), akka inni jedhutti hiikni isaa “Nama Yihudii” (Maq-ibsa, BDB 397 I). Kun isheen waaqa-tolfamaa waaqessuu dhiiftee, isa booda abbaa isaa (Jechuunis Yisihaq) gammachiifti. Maqaadhumti kana fakkaatu lakk. 1 irratti argamuun isaa kan shaakalame miti, innis boqonnaama kana irratti nama maqaa dha’uun. Inni ammas akkaataa dhalaa ibsutti, innis kan ibsu boqonnaa kana irratti barreeffamni isaa inni Warra Ibrootaa wal makachuu isaati. Seenaan dhaloota isaatii kallattii biraa irra adeemuun isaa wanta beekamaa dha, sababiin isaas (1) maqaa walitti fufee dheeratee jiru guutanii barreessuun rakkisaa waan ta’eef, (2) maqaa afaan tokko irraa gara afaan biraatti geddaranii barreessuun rakkisaa waan ta’eef. 1Seena 1:35-54 keessatti maqaan meeqa akka geddarama hubadhu.

■ **“intala ilma Zibe’on nama Hiiwoo turte”** Caaffanni kan Maasooreett kan jedhu “Mucaa intalaa, “ isa jedhuu dha, ta’u iyyuu, seerra Samaariyaa, Saptu’aUma. ti, hiikaan warra Sooriyaa “mucaa dhiiraa” kan jedhu qabu. Haala waliigala barreeffamichaa irraa ifaa akka ta’ee fi lakk. 24 irra akkuma jiru kan dubbatamaa jiru waa’ee dhala dhalaati.

Zibe’on nama Hiiwoo jedhamee waamameera. Kun dhugaa yoo ta’ee, intalli kun warra bqoqnaa 26 keessatti barreeffaman keessa tokko yoo taate, isheen nama Hiiwoo ti jechuu dha. Kakuu Moofaa hiikuu keessatti walitti dhufeenya Heetotaa (BDB 366), Hiiwootaa (BDB 295), fi Hooriyoota (BDB 360 II, lakk. 20 14:6), wajjin wal qabatee wal dhabiinsi hedduutu jira. Yeroo mara jechi “Hooriyoota” jedhu (lakk. 20 Seem warra hin ta’iniif Hooriyootaaf kan fayyaduu dha (ZPBE, vol. 3, pp. 228-229 jildii 3, fuula 228-229), jechichi garuu gosa Seem warra ta’an qomoo gad aanaa yookaan namoota caakkaa keessa jiraatan kallattiin kana argisiisuu dha (BDB 359, KB 339, “Uraa” (qadaadaa). Kanaaf immoo raga kan ta’u maqaan hunda isaanii Hooriyota osoo hin taanee Seem ta’uu isaa ti.

36:3 “Basmat” intalattiin “Mahilet” jedhamtee waamamti, hiikni isaas “Dhiifama” jechuu dha (BDB 142) Uuma. 28:9. Wanti dinqisiisu macaafa Seeraa warra Samaariyaa (Pentatuk) keessatti maqaan ishee Basmat (Uuma. 36:3, 4, 10) irraa gara Mahiletitti geddarameera. Kun kan argisiisu, jalqabuma iyyuu beektonni Macaafaa rakkina maqaa kanaan dhufu hubachu isaanii argisiisa (Jechuunis, isheen maqaa lama, wanta maqaa ishee ibsu, masoo qabaachuu ni dandeessi). Yaadatamuu kan qabu Esaawuun abbaa fi haadha isaa gammachiisuuf jedhee intala Ishma’el fuudhuu isaa ti.

■ **“obboleettii Nabaayoot”** maqaan isaa barreeffama kana keessatti hammatamuun isaa, yeroo kanatti kan yaadamu Ishma’el akka du’ee fi obboleessi ishee bakka isaa bu’ee HUBANNOO HAALA GALUMSAA ti . Taus kan danda’u immoo, kun yeroo baay’ee waan ta’uuf (Jechuunis, obboleessi dhimma gaa’elaa keesstti maatii isaa bakka bu’uun, Laabaa, Shimi’on/Leewwii, dabalata Abrahaamis obboleessa Saaraa akka ta’e ibseera), kunis fayidaa aadaa (Biyya Baha dhiyoo ishee durii) kan calaqqisiisuu dha. Namoonni tokko tokko akka tilmaamanitti iddi sanyii maqaan dubartootaa keessatti mo’e kun, waa’een dhimma akka jiru kan argisiisuu dha, garuu dhimma kana irratti seenaan galmeeffame akka jiru waan beeknu hin qabnu.

36:4-5 Inni booda irratti gara dura bootota gosaatti guddataa adeeme kun, gurguddoota gosa Esaawuu keessaa muraasa. Boqonnaan kun idda sanyii kana irratti hundaa’uun qooduun ni danda’ama.

1. lakk. 2-9 Kana’aanitti ilmaan Esaawuu turan
2. lakk. 10-14 ilmaan, ilmaan Esaawuu Si’iiri jiru
3. lakk. 15-19 fi 40-43 sabni Edom dura buutota gosaati
4. lakk. 20-30 bulchitoota biyyaa iddoo sana turan tarreessa
5. lakk. 31-39 mootota Edom warra bodaa ti
6. lakk. 40-43 maqaa bulchitoota warra Esaawuu keessaa ba’anii ti

Wanti baay’ee wal fakkaataa ta’e 1Seena. 1:35-54 irratti ni argama.

36:5 “Qoraahin” rakkina walitti dhufeenya sanyii gosoota kana keessa jiru sirriitti hubachuudhaaf, ani calliseeman maqoota jiran keessaa tokko filadhe, innis yeroo adda addaatti yeroo lama kan itti dhimma ba’ame. Namoota tokko tokkoon sirriitti akka jedhamu “Qoraahin” garaa garaa lamatu jira inni tokko asuma lakk. 5 irra, akkasumas lakk. 16 irra. Ta’e iyyuu, akka Rashiin jedhutti kan isaan walitti dhufaniif sababii namni tokko haadha manaa abbaa isaatii fuudhuu isaatiif. Kunis ilaalcha madaalamaa hin taane warri Yihudootaa Esaawuu irratti qabaachuu isaaniiti. Hiikni warra Raabii boqonnaa kana irratti baay’ee gadhee dha, innis rakkina maatii fi saal-quunnamtii firoota gidduutti ta’e idda sanyii Esaawuu keessatti kan argisiisuu dha. Kun dhugaa ta’uu ni danda’a, garuu barreeffama isaa keessa hin jiru, kanaaf kun hubannaa gadhee ta’uu kan danda’u ilaalcha addaan qooduun (Discrimination) yoo ta’e qofa.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:36:6-8

⁶ Esaawuun dubartoota isaa, ilmaan isaa, intaloota isaa, nama mana isaa hundumaa, karra horii gaanfaa, horii qe’ee warra kaan hundumaa, qabeenya biyya Kana’aanitti argate hundumaas fudhatee, Yaaqoob obboleesa isaa biraa ka’ee biyya biraa dhaqe. ⁷ Qabeenyi isaanii guddaa waan baay’ateef, lafti isaan gala ta’anii irra jiraatanis horii isaanii ga’uu waan dadhabeef, isaan walii wajjin taa’uu hin dandeenye. ⁸ Esaawuun inni “Edoom” jedhamee beekame Se’iiri biyya tulluun itti baay’atu sana keessa taa’e.

36:6 “Esaawuun dubartoota isaa, ilmaan isaa, hundumaas fudhatee, Yaaqoob obboleesa isaa biraa ka’ee biyya biraa dhaqe” sababiin gargar ba’umsa kanaa isa boqonnaa 36 irratti caqafame barbaacha bakka horii itti yaafataniiti (lakk. 7). Ta’e iyyuu, akka Macaafa Qulqulluutt, i kna inni walitti dhufuu danda’u Yaaqoob dhaaltuu dhugaa ta’uu isaa waliin (Jechuunis, eebba Yisihaq) lafa Filisxiyaa fi deebi’ees horii abbaa isaa Yisihaq dhaaluu isaatiin, kan ofii isaatiis dabalatee.

36:8 “Esaawuun inni “Edoom” jedhamee beekame Se’iiri biyya tulluun itti baay’atu sana keessa taa’e” sirriitti kan ta’uu danda’u waggaa keessaa yeroo adda addaatti bakka Yaaqoob hun jiraatinitti, Esaawuun karra sana Se’iirii gara Kana’aanitti deebisee fiduun isaa hin oolle, yaadni kun immoo Se’iiriin turu isaa argisiisa (32:3). Ta’e iyyuu, kun qabatamaa miti. Tulluun Se’iiri warra Edomiif maqaa aadaa ta’eera.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:36:9-14

⁹ Iddi dhaloota sanyii Esaawuu, isa qomoo Edoom warra Se’iiri biyya tulluun itti baay’atu sana keessa jiraataniif abbaa ta’e sanaa kanatti fufee ni lakkaa’ama. ¹⁰ Maqaan ilma Esaawuu isa tokoo Eliifaaz; isa Aadaa haadha manaa isaatu da’eef; maqaan ilma Esaawuu isa kaanii immoo Rewu’el; isa immoo Basmaat haadha manaa isaatu da’eef. ¹¹ Ilmaan Eliifaaz Temaana, Omaara, Zafoo, Gaataamii fi Qenas turan. ¹² Eliifaaz ilmi Esaawuu saajjato “Tiimnaa” jedhamtu tokkoo immoo qaba ture; isheen immoo Amaaleqiin ni deesef; isaan kun akkoowwan Aadaa haadha manaa Esaawuu ti. ¹³ Rewu’el immoo Naahaat, Zeraa, Shamaa, Miizaas ni dhalche; isaan kun Akkowwan Basmaati haadha manaa Esaawuu ti. ¹⁴ Oholiibaaman haati manaa Esaawuu intalli Aannaa ilma Zeebi’on, ilmaan “Ye’ush, Yaalam, Qoraahii” jedhaman Esaawuuf ni deesse.

36:10 “dhaloota sanyii Esaawuu.... . kanatti fufee ni lakkaa’ama” ilmaan Esaawuu Keswaan waamamaniif, boqonnaan kun gosootaa qommoo adda addaatti qoqqoodamuun isaa ifaa dha (36:4-5) irraa yaadannoo jiru ilaali).

36:11 “Ilmaan Eliifaaz” namni kun isa macaafa Iyyoob irra jiruu dha jechuu irraa kan ka’e morkii hedduun ta’eera. Lakk. 28 irratti lafa Uzii jedhamee sababii waamameef ta’uun isaa hin oolu. Edom, keessumatti ilmaan ishee warra ogeeyyiidhaan beekamtuu turte. Akka biyya dhaloota Iyyoob, ragooleen kun lamaan, gara Edomitti kan xiyyeeffatanii dha. Eliifaaz “michuu” isaa akka ta’e raga qabatamaa hin qabnu.

36:12 “Eliifaaz ilmi Esaawuu saajjato “Tiimnaa” jedhamtu tokkoo immoo qaba ture isheen immoo Amaaleqiin ni deesef” isheen addaan baatee saajjato isaa taateetti, sababiin isaas isheen haada “Amaaleqootaa” warra diina Isarra’el ta’anii waan taateef (Ba’uu 17 Kes. 25:17, 19 1Saamu. 15). Kun tilmaama salphaa kan kennee dha, sababiin isaas ilmi saajjato, toora idda sanyii keessatti barreeffame isa qofa.

36:14 “**Oholiibaaman haati manaa Esaawuu...ilmaan**” maliif ilmaan dubartii kana qofti, addaan toora ilmaan ilmaaniitti akka barreeffaman morkii edduun ka’ee jira. Ilaalchi inni gad aanaan, ijoolee kana gad buusee akka ilmaan ilmaaniitti ilaaluu barbaadeett jedhama kunis dhimma dhaalaa waliin kan wal qabatee dha.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:36:15-19

¹⁵ Warri kanatti aananii lakkaa’aman sanyii Esaawwu keessatti warra abboota gosaa ta’aniidha; Eliifaaz ilma Esaawu isa angafaaf dhalatanii abboota gosaa kan ta’n, Teemaan, Omaar, Zafoo, Qenaz, ¹⁶ Qoraahi, Gaataamii fi Amaaleq turan; isaan kun ilmaan Eliifaaz warra biyya Edoomitti abboota gosaa ta’an akkoowwan Aadaa ti. ¹⁷ Rewu’el ilma Esaawuuf dhalatanii abboota gosaa kan ta’an immoo, Naahaat, Zeraa, Shamaa, fi Miizaa turan; isaan kun ilman Rewu’el warra biyya Edoomitti abboota gosaa ta’an akaakawwan Baasmaat haadha manaa Esawuu ti. ¹⁸ Warri Oholiibaamaa haadha manaa Esaawuu irraa dhalatnii abboota gosaa ta’a, Ye’ush, Yaalamii fi Qoraahi turan; isaan kun ilmaan Oholiibaamaa intala Aannaa, haadha manaa Esaawuu, warra abboota gosaa ta’anii dha. ¹⁹ Isaan kun ilmaan Esaawuu isa “Edoom” jedhamee beekamee, warra abboota gosaa ta’anii dha.

36:15-19 kun toora mqaq abboota (geggeessaa) gosaa warra Esaawuu irraa argamanii ti. “geggeessaa” jechi jedhu (BDB 49 II) jechi Warra Ibrootaa isaatii”Kumaa”f (BDB 48 II) isa jedhuudha, innis kan dhimma itti ba’ame:-

1. Eegdota maatii yookaan gosaa, Iya. 22:14 Abbo. 6:15 I Saam. 23:23 Zak 9:7
2. Raayyaa waraanaa keessatti, Ba’uu 18:21, 25 Kes. 1:15
3. Kallatiidhumaan kumaaf, Uuma. 20:16 Ba’uu . 32:28
4. Akka fakkeenyaatti, Uuma. 24:60 Ba’uu . 20:6 (Kes. 7:9 Erm. 32:18)
5. Ugreetik (Afaan Seem waliin idda wal fakkaataa kan qabu), dubbifamtoota walfakkaataa akka *alluph*, hiikaan isaas “dura bu’aa gosaa” (Uuma. 36:15). Kun kan jechuu barbaade isa Seera Lakko. 13:39 irra jiru yeroo ta’u, innis dura-buutota gosaa 60 fi namoota 62700 isa jedhuu dha. Rakkina kan ta’u dura-buutotni gosaa hedduun, namoota murta’aniif yeroo isaan gosa wal fakkaataa keessatti ta’anii dha.

Rakkooleen lakkoobsota Kakuu Moofaa ilaalchisuun nu mudatan hedduun isaanii kan ibsamuu danda’an, rakkoo nuti waa’ee afaan Warra Ibrootaa hiikuuf qabnuudha. Hedduun ilmaan Esaawwu dura-buutota gosaa kana keessatti caqafamaniiru, innis attamittiin maatiin isaa geggeessummaa biyya sanaa akka fudhatan kan argisiisuu dha.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:36:20-30

²⁰ Ilmaan Se’iiri nama biyya Hoor, warri duruma iyyuu biyyicha keessa turan, kanatti aananii ni lakkaa’amu; isaanis Loxaan, Shobaal, Zibe’on, Aannaa, ²¹ Diishon, Ezerii fi Diishaan turan; isaan kun ilman Se’iiri warra biyya Edoomitti abboota gosaa warra Hoor ta’anii dha. ²² Ilmaan Loxaan, Hoorii fi Hemaan obboleettiin Loxaanis Tiimnaa turte; ²³ Alwaa, Manahaat, Ebaal, Shefoo fi Onaam immoo ilmaan Shobaaa turan. ²⁴ Ayyaa fi Aannaa ilmaan Zibe’on; Aannaan kun isa utuu harroota Zibeon abbaa isaa tiksuu, lafa onaadhaa hora argatee dha. ²⁵ Imi Aannaa Diishon intalli isaa immo Oholiibaamaa dha. ²⁶ Hemdaan, Eshbaan, Yitraanii fi Keraan ilmaan Diishon. ²⁷ Bilhaan, Zaawaanii fi Aqaan ilmaan Ezer ²⁸ Uzii fi Aaraan immoo ilmaan Diishaan turan. ²⁹ Warri kaanaan duran waamaman, ammas waamamuuf jiran, abboota gosaa Hoor turan; isaanis “Loxaan, Shobaal, Zibe’on, Aannaa, ³⁰ Diishon, Ezer, diishan” ni jedhamu isaan kun biyya Se’iir keessatti akka gosa gosa isaaniitti abbota gosaa warra Hoor turan.

36:20 “Ilmaan Se’iiri nama biyya Hoor, warri duruma iyyuu biyyicha keessa turan, kanatti aananii ni lakkaa’amu” Kes. 2:12 irraa akka hubatutti ilmaan Esawuu jiraattota EDOM achii baasaniiru, akkuma ilmaan Yaaqoob jiraattota Kana’aan baasan. Ta’e iyyuu, namoota kan waliin walitti dhufeenyi gaa’elaa muraasniqofti akka isaan gidduu jiruudha kan arginu. Wanti qabatamaa hin ta’in, walitti makamuu gosoota kanaaf sababii kan ta’e, walitti dhufeenyi gaa’elaa isaann gidduu jiru moo yookaanis saba kana lolaan mo’anii dubartoota isaanii akka boojutti fudhatanii ti.

36:24 “Ayyaa fi Aannaa ilmaan Zibe’on Aannaan kun isa utuu harroota Zibeon abbaa isaa tiksuu, lafa onaadhaa hora argatee dha” isa jechi Warra Ibrootaa isaatii “Bishaan danfaa” jedhee hiike (BDB 411) ibsuun rakkisaa dha. Ani kana kanan itti fayyadamuu barbaadu, akka rakkoollee yeroo fakkeenya Kakuu Moofaa tokko tokko hubachuuf yaalii taasifnu nu mudataniittii dha, keessumatti jechootaa yeroo tokko tokkootti fayyadamuudhaan wareen ibsaman.

1. Macaafa Warra Ibrootaa keessatti jechi kun kan dhimma itti ba’ame as qofaati.
2. Saptu’aUma. tii keessatti akkuma jirutti itti dhimma ba’ame malee hin hiikamne.
3. Hiika isa Vulget (Vulgate) keessatti “Bishaan dabfaa” isa jedhamutti hiikameera (NREB), innis teessumni lafa akkasii jiraachuu isaa kan ittiin beeknuu dha.
4. Namootni tokko tokko akka amananiitti, iddo sanatti kan argamu “Marrataa” kan bakka bu’uu dhaa jedhu.
5. TEV iin dubbifamtoota “ymm” (mmy) jedhaman gara “mym” tti (mym) jijjiira, hiikni isaa “Bishaan” (NKJV)
6. Warri Raabii akka jedhanitti jecha baay’ee wal fakkaataa ta’e “Gaango” dhaaf caqafameera KJV, ASV, NEB) sababiin isaas gosti kun akkuma gaangoon dhaluu hin dandeenye, ofuma isaan gara galma isaatti akka dhufu, fakkeenyaan yookaan jechamaan kan ibsamee dha.
7. Seerri warra Samaariyaa (Pentateuch jechicha gara *Emim*, tti jijjiira, innis Kes. 2:10 irratti saba jajjaboo fi dhedheeroof kan fayyadamame.

Hiikni inni akkas adda ba’ee mul’atu kun kan argisiisu jechoota Warra Ibrootaa warren darbame barbamee itti dhima ba’amu hubachuuf yaalii ta’u keessatti rakoollee jiran kan argisiisuu dha. Ibsa akka kanaa keessatti, hiika yaada waliigala barreeffamichaa irratti dhiibbaa geggeessuu danda’utti akka hin gargaaramneef of eeggadhaa! Isaan kan nama ajaa’ibanii dha, garuu yaada ijoo miti.

36:25 Dubartoota Esaawuu keessaa tokko, Oholiibaamaa, asittis mucaa Aannaa waliin wal qabatee, ammas itti dhimma ba’ameera (lakk. 2). Kunis ibsitootatti rakkoo guddaa uumeera. Akka ibsi iddoo lalabaa jedhutti, dubartiin kun nama biraadha, garuu fira abbaa haadha manaa Esaawuu ti. Namootni hedduun maqaa kanaan waamamuun waan beekamee dha. Kan isaan ittiin addaan ba’an abbaa isaaniitiin qofa.

36:26 “Diishon” barreeffamni inni kan Warra Ibrootaa “Dishon” kan jedhu qaba, garuu immoo sababii ISeenaa Ba’raa 1: 41 tiif hiikaan hedduun jechicha jijjiirani jieu. “Dishon” qomoon jedhamu kan biraan jira lakk. 3 yookaan ISeenaa Baraa 1:41.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:36:31-39

³¹ Namni mootii ta’ee saba Isaraa’el irratti mo’u utuu hin argamin, mootonni biyya edoom irratti mo’an, kanatti fufanii ni lakkaa’amu; ³² Bel’aan ilmi Be’or biyya edoom irratti mo’e; maqaan mandara isaa immoo Diinhabaa ture. ³³ Bel’aan yommuu du’e, Yobaab ilma Zeraa nama biyya Bozraatu mootii ta’ee iddoo isa bu’e. ³⁴ Yobaab yommuu du’e, Husaam nama biyya Temaantu mootii ta’ee iddoo isaa bu’e. ³⁵ Hushaam yommuu du’e, Hadaad ilma Badad isa cina biyya Mo’aabitti warra Miidiyaan rukutetu mootii ta’ee iddoo isaa bu’e; maqaan mandara isaas Aawititti moggaafame. ³⁶ Hadaad yommu du’e, Samlaa nama biyya Masreqaatu mootii ta’ee iddoo isaa bu’e. ³⁷ Samlaan yommuu du’e, Shaawul nama biyya Rehobot isa laga beekamaa sana qarqaraatu mootii ta’ee iddoo isaa bu’e. ³⁸ Shawul yommuu du’e, Ba’aal-Hanaan ilma AKBortu mootii ta’ee iddoo isaa bu’e. ³⁹ Ba’aal-Hanaan ilma AKBor yommuu du’e, Adadtu mootii ta’ee iddoo isaa bu’e; maqaan mandara isaas Phaawutitti moggaafame; hati-manaa isaa isheen “Mahexaabel” jedhamtu intala Maxirid nama biyya Mezahab turte.

36:31 “Namni mootii ta’ee saba Isaraa’el irratti mo’u utuu hin argamin, mootonni biyya edoom irratti mo’an, kanatti fufanii ni lakkaa’amu” lakkoobsi kun ibsitoota Kakuu Moofaa gidduutti, jeequmsa guddaa uumeera. Sababiin isaas, moototni Israa’el caqafaman kun yeroo duraa Israa’el mootota qabdu turtee dha. Kunis Seerri Uumamaa boodana hin barreeffamne yoo ta’e illee, yoo xiqqaate akka gulaalame kan argisiisuu dha. Ragaa barreeffamaa kan qaban isaanis (Barreeffamoota addaa addaa boodana barreeffaman arfan, J. E. D. P) kana akka raga qabatamaattii itti fayyadamu, kunis Museen barreessaa Seeraa isa angafa akka hin ta’in. Warri barreessuu Museetti waliif galan, kun raajii yeroo moototni kun itti ka’an ibsuudha jedhu. Israa’el raajii akka qabatuu eenyu iyyuu fudhachuun kan isa irra jiru kan fakkaatu Uuma. 49:10; Lakk. 24:7, 17; Kes. 17:14-ta’uu isaati. Naaf ifaadha, kunis namni ta’e tokko barreeffama Musee gulaaleera- Ermiyas yoo ta’e, Izraa, yookaan

mana barumsaa raajotaa keessa tokko akka ta'e qabatamaa miti. , garuu immoo gulaalliin xiqqaan akkasii kun Museen barreessaa Seeraa ta'uu isaa kan faallessu miti. Seensa, barreessummaa jildii 1a, "Hunduu attamitti eegale," isa jedhu ilaali, Uuma. 1-11.

36:32 "Bel'aan ilmi Be'or" dubbifamtootni maqaa kanaa, Bel'aa (BDB 118), biyya lafaa keessatti maqaa jedhu waliin wal fakkaata, innis ilma Be'or isa waamamu (BDB 129). Isaan kana qofa maqaan abbaa lamaan argaman (Lakko. 22-24). Isaan kana akka nama tokkootti ibsuun shakkii dha, garuu immoo ibsa maqaa dhalootaa kana irratti, waan tokko iyyuu dhugummaa hin qabu.

36:37 "Laga Efiraaxis" jechi Warra Ibrootaa "Lagaa" (BDB 625) itti dhimma ba'ame kun bakka hedduutti laga Efiraaxis ibsuu dhaaf (Jechuunis, 31:21). T'e iyyuu, yaadni walii gala barreeffamichaa immoo laguma biyyaa sanaa kan argisiisuu dha, sababiin isaas dachee Mesophotomiyaa irratti iddi sanyii Esaawuu mo'uu isaatiif ragaan barreeffame waan hin jirreedhaaf.

36:39 Dubartootni hedduun lakk. 39 irratti sababii caqafamaniif, (Olbright (Qo'ataa beekamaa hambaalee biyyoo keessa awwaalaman durii kan Amerikaa) (Archeologist) kan jedhu geggeessaan haadholii biyya Edom keessa akka turee dha. Erga sababii dubartootni isaanii caqafamniif, moototni kun hundinuu ilmaan mootota duraan turanii akka hin ta'in ifa ta'e, ragaan seena qabeessa ta'e hin jiru yoo ta'e iyyuu kun kan ta'uu danda'uu dha.

■ **"Hadaad"** Caaffatta Masoretic "Hadar" qaba (BDB 214). Ta'us 1Seena Baraa 1:50 irratti "Hadaad" jedhamee dubbifama. Hadaad (BDB 212, 1Moot. 11:14, 17, 21, 25) mootota Sooriyaatiif maqaa mootummaa walii gala ta'eera, garuu immoo ibsa kana keessatti Sooriyaaf hin ibsamne.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:36:40-43

⁴⁰ Maqaan abboota gosa sanyii Esaawuu akka qomoo qomoo isaanitti akka iddoo iddoo isaniitti kanatti fufee tarretti ni lakkaa'ama; isaanis Tiimnaa, Alwaa, Yetet, ⁴¹ Oholiibaam, Elaa, Phiinon, ⁴² Qenaz, Teman, Miibzaar, ⁴³ Magdii'el, Iraam turan; isaan kun abboota gosa warra Edoom, warra akka iddoo taa'umsa isaaniitti afa dhunfaa isaanii irra jiraatanii dha; kun hundinuu waa'ee Esawuu abbaa warra Edoomiif dubbatame.

36:40 "Maqaan abboota gosa sanyii Esaawuu" kun abboota gosaa warra jalqaba ibsaman waliin heddumminaan kan wal fakkaatuu dha, t'e iyyuu immoo gosti addaa kun naannoo isaaniitti mul'ateera.

Gaaffiiwwan Maree

Kun qajeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan.

Gaaffiiwwan Maree

1. Guutummaan boqonnaa kanaa maaliif sanyii Esaawuutiif kenname?
2. Maqaa dubartoota isaatii ibsu keessatti maaliif jeequmsi ammasii ka'e?
3. Maaliif yaadni adda adda fakkaatan shan, boqonnaa kana keessatti barreeffaman?
4. Firooma sanyii Esaawuu fi sanyii Israa'el gidduu jruuf ibsa gabaabaa kenni.
5. Keexota, Hiiwoota, fi Ooriyoota jechoota jedhaman gidduu walitti dhufeenya jiran ibsi.

SEERA UUMAMAA 37

HIKAA HAARAA KEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

NASB	NKJV	NRSV	NET	NJB (follows MT)
Abjuu Yoseef	Abjuu Yoseef waa'ee	Yoseef Garbummaaf	Yosee fi obbooloota isaa 37:1-2a	Yosee fi obbooloota isaa
37:1-2a	guddummaa isaa	gurgurame	37:2b	37:2
37:2b-4	37:1-4	37:1-2a	37:3-4	37:3-4
		37:2b-4	37:5-7	37:5-11
37:5-8			37:8	
	37:5-8	37:5-8	37:9	
37:9-11	37:9-11	37:9-11	37:10-11	
	Yosee obbooloota isaatiin		Yoseef gurguramee gara Gibxiitti	Yosee obbooloota isaatiin
	gurgurame	37:12-14a	geessame	gurgurame
37:12-14	37:12-17		37:12-13a	37:12-14
			37:13b	
		37:14b-24	37:14a	
			37:14b-15	37:15-17
37:15-17			37:16	
			37:17	37:18-20
			37:18-20	37:21-25a
Gowwomsa Yoseef irratti	37:18-22		37:21-24	37:25b-27
geggeessame				
37:18-24	37:23-28			
		37:25-28	37:25-28	37:28-30
37:25-28				
37:29-36	37:29-36	37:29-30	37:29-30	
		37:31-32	37:31-32	37:31-35
		37:33-35	37:33-35	
		37:36	37:36	37:36

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula xxiv irraa)

SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

Qabiyyee haala yaada walii gala barreeffamaa

- A. Kun yaadota gaggabaabduu addaa lama irraa kan hafe, seenaa Yaaqoobi fi maatii isaatii eegala (Yoseefiif bakka guddaa kenna), gara Gibxi dhaquu isaa, macaafa Seera Uumamaa isa hafe hunda kan hammatu, boqonnaa 37-50
 1. Yihudaa fi Taamaariin ilaalchisuudhaan (Uma. 38)
 2. Akkaataa Yaaqoob gosoota eebbise ilaalchisuudhaan (Uma. 49)
- B. Kun ari'atama gara Gibxitti godhamee fi harkisoo isaa Uma. 15:13-16 keessatti raajameera.
- C. Seenaan Yoseef seenaawwan seera Uumamaa keessa jiran keessaa adda.
 1. Waaqayyo gooftaan kallattiidhaan Yoseefitti hin mul'atne (ergamootas taanaan)
 2. Seenaan isaa dheeraadha, boqonnaa hedduu keessatti
 3. Waaqayyo kan inni hojjetu dhoksaatti, akkaataa mul'ataa hin ta'inii, akkaataa waaqummaa isaatti (Jechuunis, "namicha" 3:15-17)
 4. Teessumni lafa isaas Ur, Kaaraan, Kana'aanii gara Gibxitti jijjiirama

QO'ANNA JECHAA FI GAALEE

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:37:1-2a

¹ Yaaqoob biyya abbaa isaatti gala ta'ee jiraatee, biyya Kana'aan keesa ni taa'e. ² Oduun waa'ee ijoollee Yaaqoob kanatti fufee ni himama; Yoose saafela waggaa 17 yeroo ta'etti, ijoollee dubartoota abbaa isaa ilmaan Bilhaa fi Zilfaa obboota isaa wajjin bushaayee ni tiksa ture

37:1 Sababii gaalee lakk. 2b irra jiruuf, innis akkaataa barreessaan Seera Uumamaa Kitaabicha addaan qoodetti, ibsitootni macaafaa hedduun akka amananiitti lakk. 1 dirqamatti boqonnaa 36 waliin ta'uu qaba. Dhugaamatti, lakk. 1 Yaaqoobii fi Esaawuudhaaf teessuma lafaa walitti jiran kan uumuu dha.

■ **“biyya abbaa isaatti gala ta'ee jiraate”** kun hira kakuu Abrahaamii dha (Uma. 12, 15, 17:28:4). Tooftaan jireenya tikfattummaa fi bakki ga'umsa abdi gocha amanti ti

37:2 **“waa'ee ijoollee Yaaqoob kanatti fufee ni himama”** kun gaalee irra deebi'amee dha, innis ramaddii kitaaba Musee kan addaan baasu (2:4 5:1 6:9 10:1 11:10, 27 25:12, 19 36:1, 9 fi 37:2). Gaaleen kun (mallattoon barreessichaa) gara fuula duraa yookaan gara booddee argisiisuu isaa qabatamaa miti.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:37:2b-4

²Yoseef oduu waan hamaa isaan hojjetanii fidee abbaa isaaniitti hime. ³Yaaqoob inni “Israa'el” iedhame, ilma dulumma isaa jala argate waan ta'eef, Yosefiin ilmaan isaa hundumaa caalaatti ni jaallate; qoloo dheeraa harka qabu ni hojjechiiseef. ⁴Obbollooni isaa garuu, akka abbaan isaanii obboota isaa hundumaa caalaatti isa jaallate yommuu argan, isa ni jibban; nagaas isatti dubbachuu hin dandeenye.

■ “Yoseef yeroo mucaa waggaa 17 ta’etti” umuriin Yoseef, yeroo obbolota isaatiin garbummaatti gurguramee barbaachisaa dha, booda irratti yeroo fuula Fara’on dhaabatetti umuriin isaa meeqa akka ta’e mirkaneessuudhaaf, Uuma. 41:46 (nama waggaa 30) ti. Dhumni bara isaatii boqonnaa 50:26 irratti kennameera (waggaa 110).

■ “Yeroo inni saafela turetti” jechi kun kan dhimma itti ba’amuu (BDB 654 II) “Reefa kan jalqabu” yookaan”shaakala irra nama jiru” yaada jedhuudhaan (Ba’u. 33:11, kunis walitti dhufeenya Iyaasuun Musee waliin qabu argisiisuudhaaf). Jechuun kan danda’amu ilmaan Bilhaa fi Zilfaas namoota shaakalaa turan akka ta’anii dha. Dirreetti Ba’uu dhaan akka tikeetti kan hojjetan yoo ta’an illee, karra sanaaf itti gaafatamummaa tokko hin qaban turan.

■ “Bilhaa” ishuun hojjetuu Raahel turte. Akka ilaalcha namootni tokko tokkootti, Yoseef ijoollee Bilhaa waliin ibsamuun isaa, sababii Raahel duuteef, ijoollee ishee waliin guddifteetti ta’a isa jedhuu dha. Akka Uuma. 30: 5-7 keessatti hubatnutti ilmaan Bilhaa kanneen biroon Daanii fi Niftaalem turan.

■ “Ilmaan Zilfaa” isheen hojjetuu Liyaa yeroo taatu, ilmaan ishees Uuma. 30: 9-13 keessatti tarreeffamaniiru. Isaanis Gaadii fi Ssheer.

■ “Yoseef oduu waan hamaa isaan hojjetanii fidee abbaa isaaniitti hime” waa’ee oduu kanaa kallattiidhaan eenyuun akka ilaallatu qababtamaa miti (Jechi wal fakkaataan waa’ee gaaddota kudhaniif Lakk. 14:37 iirratti itti dhimma ba’ameera), garuu immoo garraamummaan Yoseef asitti akka wanta ta’e ni calaqqisiisa. Gochaawwan walitti fufantu jiru, obbolootni isaa akka isa jibbaniif sababii kan ta’e.

1. Oduu hamaa lakk. 2
2. Qoloo Yaaqoobiin isaaf kenname lakk. 3-4
3. Abjuu isaa warra xiyyeeffannoo barbaadan lakk. 5-10

37:3 “Israa’l Yosefiin ilmaan isaa hundumaa caalaatti ni jaallate” Yaaqoob erga laga Yaabooq birratti ergamaa sana waliin wal’aansoo wal qabee maqaan isaa “Israa’elitt” geddaramaera (Uuma. 32:22-32). Maqoonni isaa hundee jechaa hedduu kan of faana qabatee jiruu dha. Akka kootti, waliigalli yaada barreeffama Uuma. 32 kan wal simu “El ni eega” isa jedhuu dha. Yaada addaa 32:28 ilaali.

Yaaqoob rakkina addaan baafamanii jaallatamuu waliin jiru jireenya isaa yeroo ijoollummaa irraa baruutu isa irra jira, garuu immoo inni walumagalatti kana hunda ni dagata. Jaalalli inni addaan baasee Yoseefiif qabu, akka sadarkaa jibba obbolootni isaa isaaf qabab ol kaaseera.

■ “ilma dulumma isaa jala argate waan ta’eef,” tarii kun gaalee hin baraminii dha, sababiin isaas mucaan Raahel inni dhumaa Biniyaam waan ta’eef. Inni tarii kan jechaatti jiru erga erga ijoollee hedduu godhateen booda. Barreeffama Seem warra durii hiikuudhaaf, falaasummaan warra Dhihaa (Europe) baay’ee balaa guddaa dha. Raabotii fi hiikaan warren biro adda addummaa yaadaa kana kan isaan hiikanii fi ilaalan, “Mucaa oogummaa nama dulloomee qabu” isa jedhutti. Ergaan waliigala barreeffama kanatti fufee jiruu kana akka hin taane argisiisa.

■	
NASB	“Qoloo halluu adda addaa qabu”
NKJV	“Qoloo halluu adda addaa qabu”
NRSV, NREB	“Wayyaa gad dheeraa fi qoloo”
NET	“Wayyaa gad dheeraa fi qoloo gad dheeraa”
NJB	“Qoloo miidhegfame”
LXX	“Qoloo halluu adda addaa qabu”
TEV	“Wayyaa gad dheeraa miidhagaa”
JPSOA	“Qoloo miidhagaa”

Hundeen jecha Warra Ibrootaa isaatii (BDB 509 caaseffama 821) qabatamaa miti. Yeroo hedduu qoloon gabaabaa, god miillaa kan hin geenye, jilba dhiiraa fi dubartii kan hin dabarre. Inni kun garuu, qoloo addaa, yookaan hanga hojjaa namaa kan ga’u, barruu harkaatii ka’ee faana miillaa kan ga’u (BDB 821), yookaan halluu hedduu kan qabu ta’a (LXX). Karaa lachuu iyyuu, wayyaa hojii akka hin taane beekamaa dha. Qoloo kanaaf luqqisii kan biraan isa 2Saam. 13: 18 irra jiru qofa, kunis ijoollee moototaaf barbaachisaa kan ta’e, Taamaar

uffachaa kan turte, kanaaf maatii moototaa ta'uu kan argisiisuu dha. Innis, Yoseef mucaa kakuu/abdii akka ta'e itti dhaga'ameera. Ruubeen sajjatoo Yaaqoob waliin cubbuutti sababii kufeef sanaaf ga'aa miti, Simi'oonii fi Leewwiin immoo sababii Sheekemitti gocha ajjeechaa raawwataniif ta'a (Uma. 34, Uma. . 35:22), hiikaa Macaafa Qulqulluu *IVP Bible Background Commentary* fuula 68 irraa.

“Fakkiin warra Gibxi bar asana keessa ture, haalli uffatnaa warra Kana'aan, wayyaa goda miillaa ga'u, halluu bifa adda addaa kan qabu, harkaan hojjetame huffachuun, uccuu kan biraa immoo dalga midhii isaaniitii hanga jilba isaaniitti akka maratani dha. “

37:4 “Obbolloonni isaa garuu akka abbaan isaanii obbolloota isaa hundumaa caalaatti isa jaallate yommuu argan isa ni jibban” kun sadarkaa itti obbollootni isaa itti isa jibban kan argisiisuu dha.

■ “ni jibban” gochim kun (BDB 971, KB 1338, *Qal* INFINITIVE CONSTRUCT) kan dhimma itti ba'ame lakk. 4, 5, 8 irrattii dha; akkasumas Ba'u. 18:21; 20:5; 23:5; Lew. 19:17; 26:17; Kes 5:9; 7:10, 15; 12:31; 16:22; 19:11; 30:7; 32:41 ilaali.

☐	
NASB	“Jecha firoomaatiin”
NKJV,	
NRSV; LXX	“Nagaadhaan”
NET	“Bifa firoomaatiin”
NJB	“Jecha nagaatiin”
NREB	“Jecha hamaatiin”
JPSOA	“Jecha firummaa”

Maqaan jecha Warra Ibrootaa kun *shalom* dha (BDB 1022). Obbollootni isaa garuu, akkaataa nagaa gaafatnaa aadaan beekamaa ta'een illee nagaa isa gaafachuu hin dandeenye. Isaan nama tasgaabbaa'e, fayya qabeessa, fi dureessa akka inni ta'e hin barbaadne!

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:37:5-8

⁵ Yoseef abjuu abjootee obbolloota isatti yommuu hime, ittumaa caalchisanii isa ni jibban. ⁶ Inni, “Abjuu an abjoodhe kana dhaggeeffadhaa! ⁷Kunoo, nuyi maasii gidduudhaa bissii ni hiina turre; kunoo, bisiin koo ka'ee ol qajeelee dhaabate; bisiin keessan immoo isatti naannaa'anii bissii kootiif ni gugguufu turan” jedheen. ⁸ Obbollootni isaas deebisanii, “ati dhuguma motii nu irratti taataa? Yookiis dhugumaa aboo nu irratti qabaattaa?” jedhaniin; akkasitti waa'ee abjuu isaatii fi waa'ee dubbii isaatiifis ittumaa caalchisanii isa ni jibban.

37:5 “Yoseef abjuu abjootee” xiyyeeffatnaa itti kennuun kan barbaachisu, Seera Uumaamaa keessatti hanga iddoo kanaatti, Waaqao yaada isaa kan inni mul'isaa ture abjuudhaa fi mul'ataan ture (20:3; 28:12; 31:11, 24). Sabni bu'aa (Biyya Baha dhiyoo ishee durii) kan isaan illaalaa turan, abjuun akkuma waaqolii biraa ta'an, mul'atni madda amansiisaa dha. Abjuuwwan Yoseef, dhagna obbolloota isaa isa madaatti akka nama ashaboo dhaqee ti (lakk. 19-20).

37:7-8 “kunoo bisiin koo ka'ee ol qajeelee dhaabate bisiin keessan immoo isatti naannaa'anii bissii kootiif ni gugguufu turan” kun dhugaamatti ergaa dhokataa qoloon Yoseef qabu kan argisiisuudha. Innis Uma. 42:6; 43:26; fi 44:14.

Lakk. 8 fuula seer-luga lamaa of keessaa qaba (raawwatamaa hin murta'ini fi gochima hin raawwatamin hundee idda wal fakkaataa irraa) innis cimsuu kan argisiisuu dha.

1. Mo'uu, BDB 573, KB 590
2. Aboo qabaachuu, BDB 605, KB 647

Lakk. 10 irratti haaluma kanaan itti dhimma ba'ameera.

3. Dhugaatti dhufuuf (fi sagaduuf), BDB 97, KB 112

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:37:9-11

⁹Ammas abjuu tokko abjootee obbolota isaatti himee, “Kunoo, ani abjuu kan biraa tokkos abjoodhe Biiftuun, ji’i urjoooni kudha-tokkos anaaf utuu gugguufanii argeera” jedhe. ¹⁰Yeroo inni obboloota isaa fi abbaa isaatti himetti garuu, abbaan isaa isa ifatee, “abjuun ati abjootte kun maalii? Dhuguma anii fi haati kee, obbolloonni kees dhufnee amma lafa geenyutti, siif gugguufuuf jirra moo?” jedhe. ¹¹Kana irratti obbolloonni isaa isatti ni hinaafan; abbaan isaa garuu dubbicha yaadaan ni qabe.

37:9 Abjuun kun Yoseef gara geggeessummaatti akka dhufu fakkeenyaan kan argisiisuu dha, maatii isaatiif akka sooraa fi oolchaa Waaqayyo gooftaatti. Haati isaa (jechuunis, ji’a) dursitee du’uun ishee dhugaa yoo ta’e illee, dhugaa ta’uu abjuuichaa hin hambisu.

1. Waaqayyo seenaa akka to’achuu danda’u kan argisiisuu dubbii raajii ti.
2. Garraammummaan Yoseef inn tokko
3. Obbolloonni isaa akka isa irratti ka’an taasisuudhaan, Waaqayyo bittaa/ gabrummaa/ Gibxii fi achii Ba’uu jiruuf karaa mijeesse.

Wali galli yaada barreeffamichaa hiika kana hunda waliin wal sima. Yoseef yaada kana keessatti adda-duree dhimmichaa miti. Dhimmi inni adda-dureen jiraachuu Waaqayyo gooftaatiif fi kaayyoo fayisuu isaa isa bara baraa ta’ee Yoseefiin kaayyoo isaatiif itti fayyadamuu isaa ti. Yoseef nama naamusaa fi garraamii dha. Israa’el kan oole hojii Waaqayyo gooftaatiin malee jabina/cimina Yoseefiin miti.

37:10 “abbaan isaa isa ifatee” kun jecha Warra Ibrootaa isa jabaa dha (BDB 172, KB 199, *Qal* IMPERFECT) innis irra guddaadhaan “Boo’uu” kan jedhuu dha (Erm. 29:27). Innis yeroo mara saba ifachuudhaaf kan itti dhimma ba’amuu dha (Jechuunis, Isay. 17:13). Innis jecha Waaqayyo gooftaan ittiin seexana ifateef itti dhimma ba’ameera, Zakk. 3:2.

■ “**anii fi haati kee**” yaadachuu kan qabnu yeroo kana Raahel akka duutee dha (Uma. 35:19). Namootni tokko tokko akka jedhanitti amma iyyuu waa’ee ishee (Raahel) yaadaa akka jiruu dha yookaan Liyaa kan argisiisu ta’uu danda’a, obboleettii Raahel ishee angafa, yookaan Bilhaa ishee isa guddifte.

37:11 “obbolloonni isaa isatti ni hinaafan” gochim kun (BDB 888, KB 1109, peeyili hin raawwatamin) “ni jibban” isa jedhuuf cinee dha (Lakk. 4, 5, 8).

Harca’an lakk. 11 lakk. 28, fi 39:21 fi 45:4 irratti walitti dabalameera, lallaba Isxifaanos Ho. Erga. 7:9 irratti.

■ “**abbaan isaa garuu dubbicha yaadaan ni qabe**” kun, Maariyaam attam gootee waa’ee Yesuus yaadatti akka qabatte kan nu yaadachiisuu dha (Luq 2:19, 51). Yaaqoob akka inni eebba fudhatuuf, Waaqayyo ofii isaa yeroo hedduu karaa abjuu akka isatti mul’isee dha. Yaaqoob kana akka amanu kan taasisa kana qofa osoo hin taane, Yoseef addadureedhaan kakuu maatii akka fudhatuuf abdi kennameedha malee. Ta’ee iyyuu immo, boqonnaalee warra gara booddee jiran iraa akka hubnetti, Waaqayyo kallattiidhaan akka Abrahaamiif, Yisihaqiif, fi Yaaqoobitti mul’attietti isatti hin mul’atne; kanaaf iddi sanyi Masiyichaa Yihudaa dha malee Yoseef miti.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:37:12-14

¹²Ergasii obbolloonni Yoseef bushaayee abbaa isaanii tiksudhaaf, gara Shekem ni dhaqan. ¹³Israa’el yommu Yoseefiin, “Shekem lafa obbolloonni kee bushaayee tiksaa jiranitti sin ergaatii kottu!” jedhe; inni immoo deebisee, “kunoo ani asan jira!” ittiin jedhe. ¹⁴Abbaan isaas, “amma dhaqi obbolloonni kee fi bushaayeen nagaatti akka jiran ilaalii hafuura isaanii anaaf fidi!” jedheen; akkasitti dacha Kebroon keessa isa erge, innis gara Shekem dhfe.

37:13 “Israa’el yommu Yoseefiin” abbaan Yoseef, maaliif inni obboloota isaa dhaqee haa ilaaluuf akka isa erge qabatamaa miti. Tokko tokko akka jedhanitti (1) obbolaa Yoseef lammaffaa deebisee kakaasuuf ta’uu danda’a yookaan (2), Yoseef jalqaba oduu sirrii waan itti himeef ta’uu danda’a (Lakk. 2), akkuma jalqabaa gocha obboloota isaa fi nageenya horii itti hime. Kana irraa eegaluudhaan kutaa boqonnaa hafee keessatti oduun waltti fufiinsaan jiran Yaaqoobii fi Yoseef gidduutti taasifamee.

1. “Kottu” BDB 229, KB 246, *Qal* IMPERATIVE
2. “Sin erga, “ BDB 1018, KB 1511, *Qal* IMPERFECT used in a COHORTATIVE dabalataaf kan itti dhimma ba’ame
3. “Nan dhaqa, “ gochima hin qabu, garuu ibsi Kakuu Moofaa inni beekamaan, “*Asin jira*, “ isas NASB “nan dhaqa” isa jedhutti hiikeera
4. “dhaqi, “ BDB 229, KB 246, *Qal* IMPERATIVE
5. “ilaalii, “ BDB 906, KB 1157, *Qal* IMPERATIVE
6. “hafuura isaanii anaaf fidi, “ BDB 996, KB 1427, BDB 996, KB 1427, *Hiphil* IMPERATIVE

37:14 “hafuura isaanii anaaf fidi!” Yoseef kana dursee lakk. 2 irratti raawwateera.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:37:15-17

¹⁵Inni bakkee keessa asiif achi utuu jooruu, namichi tokko isa argee, “ati maal barbaadda?” jedheen. ¹⁶Yoosef immoo, “ani obboloota koon barbaada, adaraa lafa isaan bushaayee tiksan anatti himi!” jedheen. ¹⁷Namichi deebisee, “Isaan, ‘Dootaan dhaqna’ utuu waliin jedhanii dhaga’eera, kanaaf asii deemaniiru!” jedheen; Yoosef obboloota isaa faana dha’ee, Dootaaniitti isaan argate.

37:15-17 “Inni bakkee keessa asiif achi utuu jooruu namichi tokko isa argee” namni maqaan isaa hin caqafamin kun Waaqayyo walii gala haala kanaa keessa jiraachuu isaa kan argisiisuu dha (maqaan isaa hin caqafamne yoo ta’e illee). Inni kan barreeffameef dhugaamatti kaayyoo kanaatiifii dha! Kutaalee Seera Uumamaa keessatti, ergamootni “namoota” jedhamanii sababii waamaniif (Jechuunis, Boqonnaa 18), kunis tarii ergamaa ta’uu ni danda’a.

37:17 “Dootaan” hiikni maqaa kanaa”Boolla bishaanii lama” jechuu dha (BDB 206). Dootaan kan argisiisu sararaa daldalaa isa guddaa, innis isa Sooriyaadhaa gara Gibxitti geessu irratti argama. Innis Keebroon, Sheekem, fi Dootaan magaalota warra gurguddaa dha, sararaa daldalaa irratti kan hundeeffaman ta’uu isaanii Kaartaa irra ilaali. Booda seenaa Macaafa Qulqulluu keessatti, Waaqayyo argamuu isaa ammas iddoo kanatti mul’iseera (2Moot. 6).

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:37:18-24

¹⁸Isaan garuu utuuma inni isaanitti hin dhiyaatin fagootti arganii, isa ajjeesuudhaaf irratti koratan. ¹⁹Isaan walii isaanitiin, “Kunoo abbaan abjuu sun dhufeera; ²⁰kottaa amma isa ajjeefnee, boollota kana keessaa tokkotti gad ni darbannaa, bineensa hamaatu isa nyaate ni jenna, mee, abjuun isaa lamaan waan ta’uuf jiran ni ilaallaa!” jedhan. ²¹Ruuben garuu kana yommuu dhaga’e, “Kottaa lubbuu isaa hin balleesinuu!” jechuudhaan harka isaanii isa oolche. ²²Yommuu Ruuben, “Dhiiga hin dhangalaasinaa, boolla lafa onaa kana keessa isa buusaa malee, harka keessan itti hin buusinaa!” isaniin jedhe; inni harka isaanii isa oolchee, abbaa isaatiif isa deebisuudhaaf ture. ²³Yoseef obboloota isaa bira yommuu ga’e, isaan qoloo isaa isa harka qabu isa inni uffatee ture irra ni baasan; ²⁴isa immoo fuudhanii boolla tokko keessa ni buusan; boolichi duwwaadha, bishaan keessa hin jiru ture.

37:18 “Isaan fagootti arganii “kun qoloo isaa isa miidhagaa, abbaan isaa isaaf kenne kan argisiisii dha.

■ “isa ajjeesuudhaaf irratti koratan. “ Gochima yeroo maraa kan hin ta’in (BDB 647, KB 699, *Hithpael* IMPERFECT) Faar. 105:25 irra isa jiru jibbuu waliin cinee dha. Gochim kun Lakk. 25:18 irratti warra Miidiyaaniif hundee peeyiliin Waaqayyo gooftaadhaaf itti dhimma ba’ameera. *Qal* PARTICIPLE “waliin dhooftuu” isa jedhutti Milk 1:14 irratti hiikameera.

Sababii Abeliif nama gumaa ta’uun Qaayin (Uuma. 4) irratti ammas karaa nama kufee irra deebi’amee mirkaneeffame. Xuqaa murteessaa bu’aa dhuunfaa!

37:20 “ni jenna” Lakk. 32 ilaali. Isaan dursanii osoo inni isaanitti hin dhiyaatin akkamitti akka isa ajjeesan, reeffa isaa aattam akka godhan, gocha kana immoo attamittiin abbaa isaanii akka dhoksan karoorsaniiru.

■ “**abjuun isaa lamaan waan ta’uuf jiran ni ilaallaa**” tarii kun fedhii dhuunfaa isaan qaban kan argisiisuu dha, kunis tarii Yoseef akka hin dhaalleef soda qabanii dha.

37:21-22 “Ruuben” kaka’umsa Ruubeen qabatamaatti waan beeknu hin qabnu, dhuma lakk. 22 irratti akka galmaa’ee jirutti immoo garuu, inni akka obboleessa angafaatti obboleessa isaa isa quxusuu isaa eeguudhaaf, itti gaafatamummaan akka itti dhaga’ame kan argisiisuu dha. Akka ilaalcha Uuma. 35:22 irra jirutti, walitti dhufeenya isaa fi abbaa isaa gidduu jiru ittiin sirreeffachuu barbaaduu isaa ta’uu danda’a. Ani kanan jedhu, akka moemii lakk. 29 fi 30 irratti argamuutti, kun dhugaamatti Yoseefiin oolchuuf jedhee ti. Kun, obboloota isaa gidduutti geggeessummaa fi nama murteessaa ta’uun isaa akka gad dhiise mul’inatii kan argisiisuu dha

Jecha Ruuben hubadhaa.

1. “Kottaa lubbuu isaa hin balleesinuu!” Lakk. 21, BDB 645, KB 697, *Hiphil* IMPERFECT bifa dabalataan kan gale
2. “Dhiiga hin dhangalaasinaa” Lakk. 22, BDB 1049, KB 1629, *Qal* IMPERFECT bifa dhiibbaa gochuun kan gale
3. “boolla lafa onaa kana keessa isa buusaa, “ Lakk. 22, BDB 1020, KB 1527, *Hiphil* IMPERATIVE
4. “harka keessan tti hin buusinaa!, “ Lakk. 22, BDB 1018, KB 1511, *Qal* IMPERFECT bifa dhiibbaa gochuun kan gale

Yaadni garaa Yoseef attamitti akka taa’e hubadhaa.

1. inni harka isaanii isa oolchee, BDB 664, KB 717, *Hiphil* INFINITIVE CONSTRUCT
2. abbaa isaatiif isa deebisuudhaaf ture, BDB 996, KB 1427, *Hiphil* INFINITIVE CONSTRUCT

37:24 “fuudhanii boolla tokko keessa ni buusan” Uuma. 42:21 irratti gargaarsaaf iyyuu isaa irratti hundoofnee, mucaa saafela kan irra miidhaan akka irra ga’e ni hubatna.

■ “**boollichi duwwaadha bishaan keessa hin jiru ture**” kun boolla duwwaa ta’uu danda’a (boolla bishaanii osoo hin taane, bakka bishaan itti kuusanii dha), innis Filsiyaa keessatti iddaa kanatti kan bamee dha. Akka warri Raabii jedhanitti boollichi bofaa fi torbaan-qabaadhaan kan guutee dha, garuu immoo tilmaama.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:37:25-28

²⁵ Ergasii obboloonni Yoosef buddeena nyaachuuf ni taa’an; yommu ol ilaalanii imaltuun warra Ishima’el baay’atanii Giil’aadii gara biyya Gibxitti gad bu’aa utuu jiranii argan; gaalota isaaniitti urgooftuu happee dibataa fi qumbii fe’anii turan. ²⁶ Kana booddee Yihudaan obboloota isaatiin, “Nuyi obboleessa keenya ajjeefnee dhiiga isaa dhoksuun bu’aa maalii qaba? ²⁷ Kottaa, nuyi warra Ishima’el kanatti isa ni gurgurraa! Inni obboleessa keenya, foon keenyas waan ta’eef, harka keenyaan waan hamaa isa irratti hin hojjetnuu!” jedhe; obboloonni isaas isaaf ni dhaga’an. ²⁸ Warri Ishima’el naggaadonna Miidiyaan dhufanii ni darbu turan; obboloonni isaa Yoseefiin ol arkisanii boollicha keessaa baasanii, meetii ija digdamaan warra Ishima’elitti gurguran; isaan immoo Yoseefiin biyya Gibxitti ni geessan

37:25 “buddeena nyaachuuf ni taa’an” kun gara-jabinaa fi maal-dhibdii obboleewwan sanaa kan argisiisuu dha.

■ “**imaltuun warra Ishima’el baay’atanii gaalota fe’atanii, Giil’aadii gara biyya Gibxitti gad bu’aa utuu jiranii argan**” imaloota kana ibsuudhaaf jechoota itti maayii ba’ame gidduu garaa garummaatu jira (Kunis akka ragoolee hedduutti, madda ibsuu irratti kan argamuu dha).

1. Lakk. 25 warra Ishima’el jedhamaniiti kan waamaman
2. Lakk. 28 irratti naggaadota Miidiyaan jedhamaniiti kan waamaman
3. Lakk. 28 irratti ammas, warra Ishema’el
4. Lakk. 36 irratti warra Miidiyaan jedhamanii waamamaniiru (MT)

Isaan kun akka Abbo. 8:22, 24 irratti arginu, gosa tokko ibsuudhaaf maqoota garaa gariiti. Akkasumas immoo, warri Miidiyaamii fi Miidiyaamonna lamaan isaanii iyyuu ilmaan Abrahaam warra inni Qexuuraa irraa godhatee dha (Uuma. 25:2), Miidiyaamonna warri caqafan garuu dogoggora barreessichaa ta’uu danda’a (Miidaayaamota, mynydm warra Miidiyaan myndm . Naggaadotni kun maatii garaa garaa irraa kan ijaaraman ta’uu ni danda’a yookaan saba tokko maqaa adda addaan waamuudhaaf.

■ “gaalota fe’atanii ... gara biyya Gibxitti gad bu’aa utuu jirani” Urgooftonni foolii gaarii qaba gara Gibxitti geeffaman kun kan beekamee dha, sababiin isaas isaan kan itti fayyadaa turan (1) reeffa dibuudhaa (2) urgeeffachuuf; fi (3) qorichummaadhaaf ture. Giil’aadi lafti isaan dhufaan) qumbiidhaan beekamaa dha.

37:26 “Yihudaan obbuloota isaatiin” akkuma yaada garaa Ruuben hubachuun hin danda’amin, akkasuma fedhii Yihudaa isa sirrii hin beeknu, garuu immoo obboleessi isaa akka hin ajjeefamneef yaalii gochuu isaa ta’a (“Inni obboleessa keenyaa dha, “ Lakk. 27), fedhiin ka’aman ammam (1) bu’aa argachuudhaaf fi (2) dhiiga qulqullaa’aa akka hin dhangalaafneef (jechuunis, ajjeechaa) harka isaaniitiin akka hin taane yoo ta’e iyyuu.

Obboleessa isaa qomoo tokko ta’an du’a irraa oolchoof yaaluun Yihudaa, ilma iddi sanyii Yesuus keessaan dhufu addaan baafachuuf karaa gaarii dha. Gochi Yihudaan raawwate sababoota ka’aman kanaaf yoo ta’e, eгаа’oo kaayyoon Waaqayyoo fayidaa fi hojii nama dhuunfaa irratti akka hin hundoofne argisiisa (Uuma. 38), kaayyoon fayisuu Waaqayyoo inni barabaraa garuu nama hundumaaf (Uuma. 3:15; 12:3; Ba’u. 19:5; Mata duree addaa ilaalcha 12:3 ilaali).

37:28 “meetii ija digdamaan warra Ishima’elitti gurguran” “Meetii” jechi jedhu Itaaliksiin (Italix) akka ta’e hubadhu, hiikni isaa akka Warra Ibrootaatti hin argamu, kan yaadamu garuu (20:16; Abbo. 17:2-4, 10). Innis wanta ittiin horiin ergamu kan argisiisuu dha. Lew. 27:5 irraa akka hubatutti dargaggoonni hojiidhaaf meetii digdamatti gurguramu turan, warri isaan irra caalan immoo meetii sodomatti gurguramu tura (Ba’u. 21:32 yookaan “meetii shantama (Lew. 27:3). Wanti beeknu immoo, daldalli garbaa seenaa Gibxi hunda keessaatti aadaa qabatamaa ta’uu isaa ti.

Hiiktonni tokko tokko “Isaan” isa jedhu akka lakk. 25 irra jirutti Yosefiin boolla keessaa baasee warra Ishima’elitti kan gurgure, nagaadota Miidiyaan akka ta’anitti hiiku. Isaan kan jedhan gochi ta’e kun osoo ilmaan Yaaqoob hin beekinii dha, kanaaf kun lakk. 29-30 keessatti ibsama (Ruuben waa’ee Yoseefiif dhimmamuun isaa, boolla keessaa dhibuu isaati). Ta’e iyyuu, gochi kun lakk. 27 hin ibsu! Seenaa Warra Ibrootaa ishee durii caalaatti, tooftaan hiiktota ammayyaa waa’ee isaanii fi waa’ee tilmaama isaanii dursa barreeffamichaa waan hedduu jedha.

■ “Yosefiin biyya Gibxitti ni geessan” Yosefiin kan isaan fuudhanii adeeman dunkaana abbaa isaatii irraa fageenya miyyilii xiqqoo irratti ta’uun isaa dubbii dhoktaadha! Ta’e iyyuu, Yoseef gara Gibxi akka dhaquuf yaada Waaqayyoo ti.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:37:29-36

²⁹ Ruuben gara boolichaatti yommuu deebi’e, Yoseef achi keessa akka hin jirre arge; na’ees uffata isaa tarsiise; ³⁰ gara obbuloota isaattis deebi’ee, “Gurbichi hin jiru, eгаа ani immoo eessa dhaqu ree?” jedhe. ³¹ Yommuu obbuloonni isaa korbeessa reettii tokko qalanii, uffata Yoseef fuudhanii dhiigicha keessa cuuphan. ³² Kana booddee isaan qoloo harka qabu sana fuudhanii, gara abbaa isaaniitti erganii, “kana argineerra, mee ilaali, kun uffata ilma keetii ti moo yookis isa miti?” jedhaniin. ³³ Innis isa ni bare, “Kun uffata ilmaa kootii ti, bineensa hamaatu isa nyaate, Yoseef dhuguma gagar kukkutamee!” jedhe. ³⁴ Yaaqoob uffata isaa of irratti tarsiisee, ilma isaatiif guyyaa baay’ee ni gadde. ³⁵ Ilmaan isaa fi intaloonni isaa hundinuu isa jajjabeesuudhaaf ni dhufan; inni garuu jajjabaachuu ni dide inni; inni “Waawuu, ani akkuman gaddetti, iddoo lafa jlaatti gara ilma kootii gad nan bu’a” jedhe; akkasitti abbaan iaa Yoseefiif ni boo’e. ³⁶ Warri Miidiyaan Yosefiin biyya Gibxi keessatti hojjettoota mootii Gibxi warra gurguddoota keessaa Phoxiifaar ajjejjuu eegdotaa ni gurguran.

37:29 “Ruuben gara boolichaatti yommuu deebie ... uffata isaa tarsiise” kun aadaa gadda argisiisuuti (44:13). Mallattoon gadda biraan lakk. 34 irratti argama, yeroo Yaaqoob Yoseef akka hin jirre dhaga’e. Yeroo obbuloonni isaa waa’ee sagantaa isaanii mari’atan yookaan Yosefiin gurguran, Ruuben hin jiru jechuu dha.

Mata duree addaa: Seera gaddaa

Israa’elootni yeroo firri jalaa du’u, qalbii jijjiirratnaa dhuunfaaf, akkasumas yakka waliiniif karaa hedduu gadda isaanii ibsu:

1. Uffata tarsiisuu, Uuma. 37:29, 34; 44:13; Abbo. 11:35; II Saam. 1:11; 3:31; I Moot. 21:27; Iyo 1:20
2. Daaraa uffachuu, Uuma. 37:34; II Saam. 3:31; I Moot. 21:27; Erm. 48:37

3. Kophee baafachuu, 2Saam. 15:30; Isay. 20:3
4. Harka mataa irra kaa'achuu, 2Saam. 13:19; Erm. 2:37
5. Awwaara mattaa irratti firfirfachuu, Iya. 7:6; I Saam. 4:12; Nahi. 9:1
6. Lafa taa'uu, Faaru. 2:10; His. 26:16 (Lafa ciisuu II Saam. 12:16); Isay. 47:1
7. Qoma rukutachuu, I Saam. 25:1; II Saam. 11:26; Naho. 2:7 (Idda hiika "Gadda", "BDB 704)
8. Dhagna fii murmuruu, Kes. 14:1; Erm. 16:6; 48:37
9. Laguu II Saam. 1:12; 12:21-23; I Moot. 21:27; I Seen. 10:12; Nahi. 1:4
10. Weedduu gaddaa, II Saam. 1:17; 3:31; II Seen. 35:25
11. Rifeensa aaddachuu (bubuqqisuu), Erm. 48:37
12. Areeda aaddachuu, Erm. 48:37
13. Mataa yookaan suulatti aguuggachuu, II Saam. 15:30; 19:4

37:30 "eessa dhaqu ree?" Ruuben gaaffii kana keessatti kan inni jechuu barbaade maalii dha?

1. Eessattin isa arga?
2. Isa gatee gara manaa hin dhaqu
3. Miira abdiin ktannaatiin kan ibsame

37:35 "Ilmaan isaa fi intaloonna isaa hundinuu isa jajjabeesuudhaaf ni dhufan" ofuma isaaniitii Yosefiin gurguraniin, amma immoo isa jajjabeessuu dhufuun isaanii yaada dhuga qabeessa hin ta'u. **"intaloonna isa"** isa jedhu irra ilaalchi ta'e jira. Gaaleen kun kan ibsuu barbaade Dhinee fi warren biroo, warra boodana dhalatan, yookaan immoo haadha manaa ijoollee isa haa ta'an?

■ **"iddoo lafa jlaatti"** jechi kun (BDB 982) "Awwalaa" f yookaan "Jireenya du'a beeddee" f kan itti dhimma ba'amee dha. Innis idda jecha Warra Ibrootaa lama of keessaa qaba (1) "iddoo lafa jalaatti gad bu'uu" fi (2) "gaafachuu, " innis Si'oliin kan argisiisu yeroo ta'u, tokko ilmaan namaa hedduu gaafachuu yookaan namoota waa'ee Si'oliif gaaffii dhiyeessan gaafachuu. Anatti kan fakkaatu Si'ol Kakuu Moofaa fi Haaraa keessatti garaagarummaa hin qabu. Akka barreeffama warra Raabii, fi raga Kakuu Haaraa tokko tokkootti, qajeelaa fi cubbamaan bakka lamatti waan qoodame fakkaata. Mata duree addaa: Warri du'an eessa jiru? Isa jedhu 15:15 irra ilaali.

37:36 "Phoxiifaar" jechi Warra Ibrootaa kun hiikni isaa kan fakkaatu "eenyuuf (kan agarsiisu Re, waaqa Biiftuu) tiif kan kenname" (BDB 806). Gosti dheeraan maqaadhuma gosti tokkichi luba On irraatti argama Seera Uumamaa 41:45 keessatti.

■ **"hojjetoota mootii Gibxii"** **"mootii"** jechi jedhu kallattiidhaan "Xu'aashii" jechuu dha (BDB 710, Ast 1:10; 2:3), asi irratti garuu fuudhuu isaa irraa kan ka'e, jechichi kan jedhu qooda Xu'aashii "Ergamaa" yookaan "nama moodame" jechuu isaa ti (1 Moot. 22:9; II Moot. 8:6; 24:12)

■ **"ajajjuu eegdotaa"** jecha kana ilaalchisuu dhaan yaada lamatu yaadama, sababiin isaas kallattiidhaan kan jedhu "Ajajaa mana burundoo" waan ta'eef (BDB 978 caaseffamaC 371). Tokko tokko immoo hiika isaa akka jedhanitti, "ajajjuu mana ittoo" jechuu dha (BDB 371, jechuunis, burundoo) kanas immoo I Saam. 9:23-24 irratti hundaa'uudhaan. Kanneen kaan akka amananiitti, hiikni isaa "Ajajjuu eegdotaa" ti, kunis Uuma. 37:36; 39:1; 40:3, 4; 41:10, 12 fi II Moot. 25:8 irratti hundaa'uu dhaan. Inni tarii itti dhiyaachuu danda'a, jechuunis eegdotaa mootiitti dhiyaata akka ta'an.

GAAFFIIWWAN MAREE

Kun qajeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan.

1. Wal dhabdee/ morkii Yoseefii fi obboota isaa gidduu jiruuf maddi isaa maal fakkaata?
2. Qoloon adda addaa Yaaqoob Yoseefiif hojjechiise maalitti fakkeeffama?
3. Barreessaan Macaafa Qulqulluu kanaa maaliif Lakk. 15-17 keessatti ammachiise?
4. Gadda ibsuudhaaf fakkeenya itti dhimma ba'amu as lakk. 29 fi 34 keessaati akkasumas kutaa Macaafa Qulqulluu Kakuu Moofaa kanneen biroo keessa jiran barreessi.
5. Waa'ee *Sheol* ilaalcha mataa keetii ibsi, akkasumas Kakuu Haaraa keessaa *Hades* waliin akkamittiin akka walitti firoomu.

SEERA UUMAMAA 38

HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

NASB	NKJV	NRSV	NET	NJB (follows MT)
Yihudaaf Taamaar	Yihudaaf Taamaar	Yihudaaf Taamaar	Yihudaaf Taamaar	Seenaa Yihudaaf Taamaar
38:1-5	38:1-11	38:1-11		38:1-5
38:6-11			38:1-5	38:6-11
38:12-19	38:12-23	38:12-19	38:6-11	38:12-14
			38:12-14	38:15-19
			38:15-16a	
			38:16b	
			38:17a	
			38:17b	
38:20-23			38:18a	
		38:20-23	38:18b-19	38:20-23
			38:20-21a	
			38:21b	
38:24-26			38:22	
	38:24-26	38:24-26	38:23	38:24-26
			38:24a	
			38:24b	
38:27-30	38:27-30	38:27-30	38:25	38:27-30
			38:26	
			38:27-30	

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula vii irraa)

SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keeyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa

3. Keyyata sadaffaa

4. kkk

HUBANNOO HAALA GALUMSAA

- A. Boqonnaan 38 mul'anatti walii gala yaada barreeffama Yoseef gidduu kan galee dha. Tokko tokko jabeessanii kan dubbatan, kan inni keessa gaaluu danda'eef sababii idda sanyii gosa Yihudaa ibsuudhaafii jedhu, innis idda sanyii Masiyichaa isa, Maat. 1:3 fi Luq 3:33 irratti ibsamee dha. Boqonnaan kun adda Ba'uu fi sanyiin boonuu Yihudaa dura akka adeemu ifaa dha. Idda dhaloota sanyii masiyichaaf (Ra'aabii fi Rut), dubartiin Kana'aan taate kan akka Taamaar itti dabalaamuun ishee fakkeenya isa kan biraa dha.
- B. Tokko tokko immoo kan jedhanitti, itti dabalamuun boqonnaa 38 wal dhabdee gocha Yoseefii fi naamusa dhabuu oboloota isaatii isa boqonnaa 39 irraatti barreeffame addeessuudhaaf akka ta'e
- C. Seerri Uumamaa, yeroo yaadni namaa fi kan Waaqayyoo garaa gara adeemu irra deddeebi'ee kan ibsuo dha. Kun amala Seera Uumamaa isa galagaltoo ta'e salphinaa gara ulfinaattii fi amala Kakuu Moofaa ti. Akka sagalee Waaqayyootti kan inni cimsu undaa ol ta'uu Waaqayyoo gooftaa maccaa fi kaayyoo fayisuu isaa isa walii gala kan argisiisuu dha (Jechuunis, Uuma. 3:15; 12:3c; Ba'u. 19:5c). Waaqayyoo gooftaan tokkummaa sana deebisuuf jedhee hojjechaa jira, kunis, dhaloota jallaa, Uuma 3 irraa eegalee (keessumatti lakk. 15, innis abdiin nama hundumaaf kenname, akka fakkeenya Waaqayyootti kan huumame hundumaaf, 1:26-27). Wantootni kun hundi reefa kan ta'an miti!

Qo'annoo jechaa fi Gaalee

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:38:1-5

¹ Yommu Yihudaan obboloota isaa biraa ba'ee utuu ademu, mana namicha mandara Adulaam, maqaan isaa "Hiiraa" jedhamu tokkotti ni gore; ² achitti intala nama biyya Kana'aan isa maqaan isaa "Shuwa" jedhamu tokko ni arge; intalattii ni fuudhe, ishee biras ni ga'e. ³ Isheen ulfooftee ilma ni deesse; maqaa isaas "Eeri" jettee ni moggaafte. ⁴ Ammas ulfooftee ilma ni deesse; maqaa isaas "Onaan" jettee ni moggaafte. ⁵ Dabaltees ilma ni deesse; maqaa isaas "Shelaa" jettee ni moggaafte; isheen mucicha biyya Kiziibitti ni deesse.

38:1 "Yommu akkas ta'e" Asitti gaaleen Warra Ibrootaa isaatii wallaalchisaa dha, haala walitti dhufeenya boqonnaa 37 fi 38 gidduu jiruuf iyyuu qabatamaa miti. Tarii inni boqonnaa 37 booda battalumatti ta'uu danda'a, yookaan yeroo muraasa booda. Walitti dhufeenya yeroo garaa garaa hubadhu.

1. Amma iyyuu Yaaqoob biyya sana ni jiraata ture, 37:1
2. Ji'uma sana keessa akkasi ta'e, 38:1
3. Bara baay'ee booda, 38:12
4. Ji'a sadii booda 38:24
5. Sana booda akkas ta'e, 38:27
6. Wantoota kana booda akkas ta'e, 40:1
7. Waggopota lama booda akkas ta'e, 41:1

Barreessicha waa'een dhimma yeroo akka isa dhibu ifaa dha, garuu immoo kun haala duraa fi booda seenaa warra Lixaa miti.

■ **"Yihudaan obboloota isaa biraa ba'ee utuu adeeme"** Yihudaan maaliif akka fagaatee adeeme yaada hedduutu jira. Tokko tokko akka jedhanitti naamuusa dhabuu obboloota isaatii yookaan gocha Yoseef irratti raawwataniif ta'uu danda'a.

■ **"ni gore"** gochimi kun kallattiidhaan" karaa irraa goruu, "dha, BDB 692, kan hin hin raawwatamin). Innis obboloota isaa irraa fagaatee addaan Ba'uu isaa kan argisiisuu dha. Kunis booda irratti lafa gosa Yihudaa waliin tokko ta'ee walitti dabalama (Iya. 15:35). Holqi Adulaam booda irratti yeroo Daawwit Saa'ol jalaa baqate, isa

fayyadeera (1 Saam. 22:1). Walumaa galatti inni biyya Yihudaa isa gaarewwanii ti, gara daangaa isa diriiraatti dhiyaate.

38:2 “Shuwaa” maqaan kun (Hiiraahi fakkaata, Lakk. 1, BDB 301) Kakuu Moofaa keessaa, asi qofatti argama. Dubbifamtootni hidda walifakkaataa (BDB 447) qaban hiikni isaanii “Walaba” yookaan “Quroo, “dha. Innis wal fakkaatoo kan ta’an dubbifamtoota keessaa sadii qabu, akka “Nageenya” (BDB 447, garuu barumsa hafuura tokko kan qabu hin fakkaatu.

■ **“achitti intala nama biyya Kana’aan... tokko ni arge”** maqaan intalattii tasuma iyyuu hin caqafamne (kan moggaafamte “Baat-Shuwa” jedhamtii ti, 1Seen. 2:3, garuu kun maqaa miti, amala malee— “mucaa durabaa Shuwaan”), garuu immoo, Yihudaan jalqaba akka ishee argeen jaalala isheen akka qabamee dha. Gaaelli addaa dubartii Kana’aan kan waliin taasifame walii gala yaada barreeffamichaa irraa addan ba’ee hin jibbamne. Walumaa galatti Yihudaan dubartii kanaaf abbaa manaa amanamaa ture (Lakk. 12).

■ **“Kiziibi”** warri Raabii maqaa iddoo kanaa (BDB 469) ilaalcha gad aanaa ta’eef itti dhimma ba’u (Innis hidda wal fakkaataa ta’eef, jechuunis, “Soba, “ “sobduu ta’uu, “ “wanta nama dogoggrsu, “ (BDB 469) ilmaan dubartii kan irraa dhalatan argisiisuuf. Ta’e iyyuu, murti-jallinni warra Raabii, barreeffama isaanii hunda keessatti, saba naannoo sanaa hunda biratti beekamaa dha. Inni maqaa iddoo ti. Innis tarii kan akka Akziib ta’uu ni danda’a (BDB 469) Iya. 15:44 irra.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:38:6-11

⁶Yihudaan kana booddee immoo Eer ilma isaa isa angafa intala “Taamaar” jedhamtu tokko ni fuusise. ⁷Eer ilmi Yihudaa inni angafni garuu, Waaqayyo duratti nama jallaa ture; kanaaf Waaqayyo akka inni du’u godhe. ⁸Yihudaan yommus Onaaniin, “Gara haadha manaa obboleessa keetii dhaqi, barchuma isaa qajeelchi, obboleessa keefis sanyii kaasi!” jedhe. ⁹Onaan garuu sanyiin kan isaati akka hin jedhamne waan beekuuf, obboleessa isaa sanyii malee ambisuudhaaf, yeroo haadha manaa obboleessa isaa bira ga’u, isa sanyii ta’u sana lafatti dhaqee ni balleessa ture. ¹⁰Wanti inni hojjete kun Waaqayyo duratti jallaa ta’ee argame; kanaaf Waaqayyo innis immoo akka du’u godhe. ¹¹Yommus Yihudaan, “Ilmi koo akkuma obboloota isaa du’innaa laata” jedhee waan yaadeef, Taamaar haadha manaa ilma isaatiin, “Amma shelaan ilmi koo ga’utti, akka gursummaatti mana abbaa kee taa’i!” jedhe; Taamaaris kana irratti dhaqxee mana abbaa ishee ni teesse.

38:6 “Yihudaan kana booddee immoo Eer ilma isaa isa angafa intala ni fuusise” Yihudaan abbaan isaa haadha manaa akka isaaf filu hin barbaadne, garuu seera aadaatti inni ilma isaatiif file. Ifaa kan ta’e, seenaa isaa boodanaa keessatti akka mul’atu amanann Waaqayyo gooftaa irraa qabuun, haadha manaa gaarii filuu isaa ti. Maqaan ishee Taamaar, hiikni isaas “Muka Tamirii” (BDB 1071 II) jechuu dha. Macaafa Qulqulluu keessatti dubartootni maqaa wal fakkaataa qaban hedduun ni jiru.

38:7 “⁷Eer...Waaqayyo duratti nama jallaa ture” Kakuu Moofaa keessatti jiraachuun fugeessuu beekamaa dha (32:13; Kes. 4:25; 31:29; Abbo. 2:11; 3:7, 12; 4:1; 6:1; 10:6; 13:1; I Saam. 15:19; I Moot. 11:6; 14:22; 15:26, 34; 16:19, 25, 30; 21:20, 25; 22:52; II Moot. 3:2; 8:18, 27; 13:2, 11; 14:24; 15:9, 18, 24, 28; 17:2, 17; 21:2, 6, 15, 16, 20; 23:32, 37; 24:9, 19). Firiin kufaatii isaatii guddaa fi kan balleessu ture. Gocha Eerii fi Amonoon gidduu wanti wal fakkaatan, lakk. 8-10tti kan caqafaman waan jiraniif, warri Raabii cubbuu wal fakkaataatti kufuu isaanii cimsanii kaa’u (Jechuunis, “Isa sanyii ta’u sana lafatti naqe”), garuu kun walii gala yaada bareeffamichaa irraa ifaa miti. Isaan kan jedhan, sababii umurii malee akka isheen dulloomu ishee taasisuuf, Eer haati manaa isaa dhala akka godhattu hin barbaadne.

Isaan, seera caaseffame cabsuudhaan, akkaataa sirrii hin taaneen gochicha raawwachuun isaan ifaadha. Innis immoo ifaadha, gooftaan murtoo wanta sanaaf ta’u akka gargaaramu (Iyo. 22:15-16; Fakk. . 10:27).

38:8 “Yihudaan yommus Onaaniin “Gara haadha manaa obboleessa keetii dhaqi barchuma isaa qajeelchi obboleessa keefis sanyii kaasi!”“kun yaada aadaa isa gara boodaa ti, obboleessi haadha manaa obboleessa isaatii akka fuudhuuf (Kes. 25:5). Macaafa Qulqulluu keesstti, fakkeenya lama qofa qabna, kanaa fi Macaafa Rut irratti. Waa’een dhaalaa dhimma isa ijoo dha.

Yihudaan ilma isaa isa lammaffaatiif ajaja sadii kennee jira.

1. Gara haadha manaa obboleessa keetii dhaqi, BDB 97, KB 112, *Qal* IMPERATIVE
2. Barucuma isaa qajeelchi, BDB 386, KB 383, *Piel* IMPERATIVE
3. Obboleessa keetiif sanyii kaasi, BDB 877, KB 1086, *Hiphil* IMPERATIVE

Ibsa gabaabaa gaarii ta'e, "Fuudha barcuma qajeelchuu (Laatiiniidhaan "Obboleessaa" f) isa jedhuuf NIDOTTE, jildii 4, fuula 902-905 fi ABD (Kuusaa jechoota Macaafa Qulqulluu) jildii 4, fuula 296-297 ilaali.

38:9 "sanyiin kan isaati akka hin jedhamne waan beekuuf" Onaan maatii obboloota isaatii waliin isa ta'u caalaatti, kan isa dhibu ofii isaatii dhaala guddaa ta'e argachuu akka ta'e ifaa dha. Kun tokkicha akkaataa dhala ittisuu Kakuu Moofaa keessatti caqaamee dha. Obboleessi isaa angafa waan ta'eef ga'aan dhaalaa hedduu ta'e gara dhaaltuu isa ta'ee dhaqa. Boqonnaan kun jallina ilmaan Yihudaa warra jalqabaa lamaanii kana addeessee argisiisa.

■ "yeroo haadha manaa obboleessa isaa bira ga'u" Gochimi yeroo Warra Ibrootaa isaatii kan argisiisu kan inni ishee bira ga'e yeroo tokko qofa akka ta'ee dha (Yeroo gochim lama raawwataman).

38:11 "Yihudaan.... haadha manaa ilma isaatiin... "Amma shelaan ilmi koo ga'utti.... . jedhe" Yihudaan ijoollee sadiiqofa kan inni qabu, lama wal qoonnamtii Taamaar waliin qabaniin du'aniiru. Mucaan isaa inni dhumaas du'ee sanyii akka hin dhabneef, Yihudaan ni saodaate. Sababiin barreeffamuu seenaa kanaa Masiyiii abdachiifame waliin wal qabatee, abbootni hundinuu abdii Waaqayyoo kenne to'achuuf, sanyii isaanii keessaa isa dhufu argisiisuudhaaf. Yookaan, soda abaarsa Taamaar irra ni jiraata jedhamee yaadame waliin kan wal qabate ta'uu ni danda'a. Cubbuun sun garuu, seerri kan isa ajaju, mucaa isaa isa xiqqaa dhowwachuudhaan, isa inni haadha manaa ilma isaatii sobe waliin kan wal qabatuu dha. Dhugaan Taamaar gara mana abbaa isheetiitti deebi'uu ishee (jechuunis, abbootniin Yihudaa, BDB 442, xiyyeeffattuu) heera aadaa fakkaata (Lew. 22:13 fi Rut 1:8).

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:38:12-19

¹² Bara baay'ee booddee haati manaa Yihudaa intalli Shuwaa ni duute; Yihudaan gadda isaa erga dhiisee, ka'ee fira isaa isa "Hiiraa" jedhamu nama mandara Adulaam sanaa wajjin gara Tiimnaa lafa hoolota isaa irraa rifeensa murmran ni dhaqe. ¹³ Yommus namoonni, "kunoo abbiyyuun kee hoolota isaa irraa rifeensa murmursiifachuuf Tiimnaatti ol ni ba'a" jedhanii Taamaaritti ni himan. ¹⁴ Shelaan fuudha ga'ee ture, isheen garuu isatti akka hin heerumsiifamin argitee, uffata dubartii abbaan manaa irraa du'e isa uffachaa turte ofittii baaftee, wayyaa biraa ofitti martee, shaashiis aguuggattee, karaa Tiimnaa dhaqu irraa balbala kellaa Enaayim dura ni teesse. ¹⁵ Taamaar fuula isheetti aguuggattee waan teessuuf Yihudaan ejjittuu ishee se'e malee ishee hin hubatne. ¹⁶ Isheen haadha manaa ilma isaa ta'uu ishee waan hin beekiniif, gara lafa isheen karaa bukkee teessutti goree, "Mee kottu, ani si bira nan ga'aa!" jedhe; isheen immoo, "ati na bira ga'uudhaaf, maal anaaf kennitaa?" jetteen. ¹⁷ Inni deebisee, "Bushaayee keessaa korbeessa reettii xobbee tokko siif nan erga" jedhe; isheen immoo, "Amma naaf ergitutti immoo qabsiisa yoo anaaf kennite ni ta'a!" jette. ¹⁸ Yommus inni, "Qabsiisaaf maal siif kennu ree?" jedhe; isheen immoo deebiftee, "Amartii mallattoo kee maataba isaa wajjin, ulee qabatee adeemtu kanas anatti kenni!" jette; innis kana kenneefii, ishee bira ni ga'e; isheen isaaf ni ulfoofte. ¹⁹ Isheenis kaatee achii adeemtee, shashii fuulatti aguuggatte sana of irraa fuutee, uffata ishee isa dubartiin abbaan manaa irraa du'e uffattu sanas deebiftee ni uffatte.

38:12 "haati manaa Yihudaa. . ni duute" ammas maqaan ishee hin dubbatamne. Yihudaan nama haadha manaa tokkoo waan turee, haadha manaa isaa ishee Kana'aan kanaaf baay'ee kunuunsa ni godhaaf ture.

■ "gadda isaa erga dhiisee...tiimnaa lafa hoolota isaa irraa rifeensa murmran ni dhaqe. " Yeroon rifeensa hoolaa murmuran yeroo hafeerraa ti (1 Saam. 25:4, 36). Innis bakka buufata Yihudaa isa gara booddee ture (Iya. 15:57). Sumsuun waliin wal qabatee, iddoon sun bakka beekamaa ture.

38:13 "Taamaaritti ni himan" akka kootti Taamaar isa barreeffamaan jiru caalaatti, sababa gaarii ta'e hedduudhaaf kana goote (Lakk. 26). Akka gocha Ribqaa fi Yaaqoob (25:23), gocha isaanii kana shakkuun ni danda'ama, garuu gocha isaanii kana booda amanamummaa fi amantiitu jira. Abrahaamii fi abbootni hundinuu wanti abdachiifame haa raawwatamuuf Waaqayyoon gargaruuf yaalii taasisaniiru. Akka amanti kootti, Taamaaritti itti gaafatamummaan adda ta'e isheetti dhaga'ameera, akka haadha manaa ilma Yihudaa isa

angafaatti, sanyii guddisuu dhaaf. Isheenis ofii ishee gad deebiftee, du'a illee yoo ta'e fudhattee, carraa argattee ilma Yihudaa da'udhaaf of kennituu dha.

38:14 “uffata dubartii abbaan manaa irraa du'e isa uffachaa turte ofittii baaftee” kun maaliif akka gale sirriitti hin beekamu, garuu isheen walitti dhufeenya maatii Yihudaa waliin qabduuf kan isheetti dhaga'ame ta'a. Isheen amma iyyuu Yihudaa eegaatti jirti, jecha isaa akka raawwatuuf (Lakk. 11). Yeroo dheeraa ta'uutu irra jira, isheenis abdi Yihudaa gaafachuu eegalteetti (Lakk. 14).

■ “wayyaa biraa ofitti martee shaashiis aguuggattee karaa Tiimnaa dhaqu irraa balbala kellaa Enaayim dura ni teesse” Kakuu Moofaa keessatti kan caqafaman aguuggiiwwan yookaan “marata” lamatu jiru (BDB 858, KB 1041). Isaanis bara Muslimoota dura kan beekame miti. Ribqaan yeroo Yisihag bira dhufte uffatteetti (24:65), asittis Taamaa uffatteetti. Museenis yeroo gaara Siinaa irraa gad bu'e, fuula isaa agguuggachuuf uffateera (“marata yookaan aguuggii, “ BDB 691, Ba'u. 34:33, 34, 35).

Galmee warra Sooriyaa irraa kan nuti hubatnu, aguuggiin mallattoo ejjitoota amantii sobaa warra gaa'ela qabanii ti. Kan nuti hubatnu iyyuu waaqa-tolfamtuu Ashtaarot ishee aguugamtee, fakkeenya ta'uu isaa ti. Walumaa galatti kun mallattoo ejjitootni amantii dogogoraa addaan baafamanii dha. Jechichi lakk. 15 irratti Yihudaadhaan kan itti dhimma ba'ame yoo ta'e illee, jecha Warra Ibrootaa isa beekamaa dha (“Ejja kan raawwatu, “ BDB 275, KB 275, *Qal* ACTIVE PARTICIPLE), Jechi fira isaa nama Adulaam sanaan lakk. 21-22 irratti isatti dubbatame, jecha ejja mana qulqullummaa keessaaf itti dhimma ba'amuu dha (BDB 873 I, Kes. 23:17-18; Hos. 4:14).

38:16 “gara lafa isheen karaa bukkee teessutti goree” asi wantoota hedduutu jiru, nama bara kana dubbisuuf dhibaa kan ta'an: (1) Iddoo sana bifa lama wantootni qaban kan jiran fakkaata, gochi Yihudaa sirrii ta'uu isaatii fi gochi Taamaa sirrii akka hin taane kan murteessan; (2) Innis immoo beektota kan dhibe, gaaffii Yihudaan gaafachuu qabuu fi gatii ejjituuf kennamuu fi heera jiru baruu isaa ti. Of eeggachuu kan qabnu addunyaa durii irratti miira ofii keenyaa irraa kaanee akka hin murteessinee dha, Akkasumas immoo of eeggachuun kan nurra jiru gosa Yihudaa keessa iyyuu kufaatiin naamusa hafuuraa/ sakkoo jiraachuu isaa akka hubtnuu dha.

38:17 “Bushaayee keessaa korbeessa reettii xobbee tokko siif nan erga” gocha Siimson, Abbo. 15:1 irratti barreeffame, kun tarii gatii saal-quunnamtii raawwachuudhaaf beekama. Ta'e iyyuu, ragooleen murta'an kan bara durii ni jiru, innis, reettiin fakkeenya waaqa-tolfamtuu jaalalaa ta'uu ishee ti, kanaaf kun tarii aadaa kanaaf seenaa gara booda kanaa ta'uu ni danda'a).

38:18 “Yommus inni “Qabsiisaaf maal siif kennu ree?” jedhe isheen immoo deebiftee “Amartii mallattoo kee maataba isaa wajjin ulee qabatee adeemtu kanas anatti kenni!” Taamaa karoora ishee guddifte tokko tokkoon itti yaaddee ti. Amartii fi uleen mallattoo nama dureessaa ti, fayidaadhaan (Baha dhiyoo ishee durii) akkasumas namaa namatti garaa gari. Amartichi kan argisiisu amartii chaappaa ti (BDB 368, KB 364, cf. 41:42), yookaan chaappaa luggee morma irratti diratamu. Yeroo waan tokko mallatteessan itti fayyadamuudhaaf jecha, namootni Baabiloon durii chaappaa luggee kana keessaa tokko ni qabaatu (Strabo XVI, 1, 20).

“Maataba” (harkatti kan ka'atamu) (BDB 836, KB 990) nama hike sanaan “Kaabbaa” isa jedhutti hiikame, garuu amarticha yookaan chaappicha mormatti dirachuuf kan fayyadu ta'uu mul'inatti kan argisiisuudha. Ulichii (BDB 641, KB 573) irra caalaatti ulee karaa, isa wanta itti hirkatan (okkoo) qabu kan argisiisuu dha. Jabana Yihudaatti, eeny iyyuu taanaan ulee karaa kana hin qabatne yoo ta'e uffatnaa guutuu waan uffate itti hin fakkaatu. Innis, wantoota baay'ee fayida qaboota turan, dhuunfaa isaa kan ta'an kana, ejjituuf gatii taasisee kennuudhaaf qophaa'aa ture! Taamaa Yihudaan abbaa mucichaa akka ta'e mirkaneessuu dhaaf, isaan kun ragaa amansiisoo akka isheef ta'an ture!

38:19 Taamaa ariitiidhaan gara manaatti deebi'un ishee ejji kaayyoo yookaan tooftaa jireenya isheetii akka hin ta'inii dha!

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:38:20-23

²⁰ Yeroo muraasa booddee Yihudan qabsiisa sana dubartittii harkaa fudhachuudhaaf korbeessa reettii xobbee tokko karaa fira isaa nama mandara Adulaam sanaa ni ergeef inni garuu ishee arguu hin dandeenye. ²¹ Inni “Gaalamootni isheen karaa mandara Enaayim cina turte amma eessa jirtii?” jedhee namoota iddoo sanaa iyyaafate isaan immoo “Lakkii gaalamootni as hin turree!” jedhan. ²² Yommus inni debi'ee Yihudaa bira dhufee “ani dubartattii arguu hin dandeenye namootni iddoo sanaa immoo

‘gaalamootni as hin turre’ naan jedhan” jedhe. ²³ Yihudaan deebisee “ani kunoo korbeessa xobbee sana isheedhaaf ergeera ati garuu ishee arguu in dandeenye ammas namni nutty hin kolfin duwwaa malee isheen mee isuma qabde sana haa fudhattu!” jedhe.

38:20 “Yeroo Yihudan...korbeessa reettii xobbee tokko karaa fira isaa nama mandara Adulaam sanaa ergeef” Namni mandaraa Adulaam sun gaaffiiwwan murtaa’oo kaasee jira (Lakk. 21), garuu edduu miti! Kunis agarsiisuu kan barbaade, bara ammaatti iyyuu taanaan, tokkummaan ejjituu waliin taasifamu ija gaariidhaan hin ilaalamu.

38:23 Yihudaan, karaa isaa gochi seeraan ala ta’e kam iyyuu akka hin raawwatamneef, waa’ee maqaa ofii isaa yaadeera. Kunis kan fakkaatu miira ejjummaa tokko illee akka isa keessatti hin uumini dha; rakkina sakkoos ta’e yookaan kan hafuuraa (ejja warra amantii sobaa, lakk. 21, 22) yeroo sanaafis ta’e aadaaf.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:38:24-26

²⁴Akka ji’a sadii booddee “Taamaar haati manaa ilma keetii ejjiteetti amma kunoo isheen ejjummaadhaan ulfoofteetti” jedhanii Yihudaatti himan Yihudaan deebisee “Gadi ishee baasaa haa gubamtuu!” jedhe. ²⁵Yeroo gad ishee baasanitti nama tokko abbiyyuu isheetti ergitee “Ani abbaa amartii mallattoo maataba isaa wajjin jiru kanaaf abbaa ulee kanaaf nan ulfaa’e” jette itti dabalees “Amma isaan kun kan eenuu akka ta’an mee hubadhuu ilaali!” jettee itti dhaamte. ²⁶ Yihudaan kana hubatee erga ilaalee “Ishee ilma koo shelaatti waan ani hin heerumsiisniif anatu isheetti balleesse isheen dhugaa qabdi’ jedhe inni ergasii debi’ee ishee bira hin geenye.

38:24 “Taamaar haati manaa ilma keetii ejjiteetti amma kunoo isheen ejjummaadhaan ulfoofteetti” bifa heddumminaan asitti itti dhimma ba’ameera, innis, Taamaar yeroo hedduudhaaf hojii ejjummaa irra akka turte kan argisiisu. Eenyu iyyuu akka tasaa saal-quunnamtii taasisee ulfaa’uun yoo dhufe carraan nama sanaa maal? Amalli ishee yakka raawwatteen bifa kan biraa qeequu danda’a.

■ “Yihudaan deebisee “Gadi ishee baasaa haa gubamtuu!” jedhe” Yihudaan, dura bu’aa sabaa waan ta’eef, ammas taanaan adabamuu intala ilma isaatiif ittigaafatamummaa seeraatu isa irra jira. Yaadni gubachuu isheetii, dubartii hin amanamneef kan ta’u adaba beekamaa fakkaata (Seerri Amuraabii, garuu amma tokko akkaataa adda ta’eenii dha). Akka seerota Museetti kan gubatan intaloota Luboota qofa ture; yakkamtootni biroon dhagaadhaan rukutamanii du’u (Kes. 22:20-24; Lew. 21:9).

Yihudaan ajaja cimaa ta’e dabarse.

1. Gad ishee baasaa, BDB 422, KB 425, *Hiphil* IMPERATIVE (jechuunis, mana ishee keessaa gara waltajjii sabaatti)
2. haa gubamtuu, BDB 976, KB 1358, *Niphal* IMPERFECT bifa cimsuutiin kan gale (kun gocha hawwaasichaa ti)

38:25 “Yeroo gad ishee baasanitti” Tokko tokko akka jedhanitti Yihudaan murticha ni fooyyessa yaada jedhuun, hanga yeroo dhumaatti akka isheen eegaa turtee dha. Kaan immoo akka jedhanitti, Yihudaa qanessuudhaaf, hawwaasichi walitti qabamee hanga xumura raawwii isaatiitti eeguu isheeti jedhu. Kakuu Moofaa hunda keessatti waa’ee dhimmichaa, fi dubbichaaf, Kakuu Haaraa keessatti fedhiin xiin-sammuu nama kamii iyyuu beekamuu hin danda’au.

■ “Amma isaan kun kan eenuu akka ta’an mee hubadhuu ilaali!” jettee itti dhaamte” Taamaar Yihudaa gaafattee jirti, wanticha akka “qoratu” (BDB 647, KB 699, *Hiphil* IMPERATIVE, Lakk. 25) kanaaf BDB 647, KB 699, *Hiphil* IMPERFECT). Gochim walfakkaataan asi biratti itti dhimma ba’ameera 37:32, 33 fi 42:7, 8 (yeroo lama).

Yihudaan akka jabana isaatti, gochi Taamaar akka waliigala yaada seeraatti, hafuuraatti, gaaffii kan kaasu yoo ta’e illee, qabeenya ofii isaa hubateera, barbaachisummaa isaas addaan baafateera. “Qajeelaa” jecha jedhu (BDB 842, mata duree addaa: 15:6 irra ilaali) asitti kan ibsame isheen gocha isheetti cubbuu hin qabdu jechuu miti, garuu karaa isheen deemte kan Yihudaa caalaatti fudhatama qaba jechuu dha. Kun itti fayyadama “qajeelaa” Macaafa Qulqulluun ala ta’ee dha (30:33). Isheen dhaaltuu maatii isaatii da’udhaaf, balaa jabaa keessa galteetti!

Wanti ifaa ta'e ishee fi Yihudaan lammaffaa saal-quunnamtii waliin akka hin raawwatini dha. Innis immo gocha ejjaa hin turre, akka ilaalcha kootiitti garuu, gocha amantii itti amanamee dha (lakk. 13 irra yaadannoo jiru ilaali). Akka ilaalcha kootiitti waliigala yaada kanaa keessatti, Taamaar goota dhugaa turte (Ribqaan akkuma turte).

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa: 38:27-30

²⁷Yeroon du'uu ishee yommuu ga'e kan isheen garaatti baattu lakkuu ta'ee argame ²⁸ utuu isheen da'umsa irra jirtuu inni tokko harka isaa gad baafate deessiftuunis qabdee "Isa kanatu dura lafa ga'a" jettee fo'aa diimaa harka isaatti hiite. ²⁹Yeroo inni harka isaa ol deeffatetti immoo obboleessi isaa isa dura lafa ga'e deessiftuunis "Ati maal maal humnaan karaa ciratteit!" jette kanaaf maqaa isaa Faaresitti moggaasan. ³⁰ Obboleessi isaa inni fo'aa harka isaattii qabu sun isa booddeedhaan lafa ga'e maqaa isaa immoo Zaaraa jedhanii moggaasan.

38:27 "kan isheen garaatti baattu lakkuu ta'ee argame" Anaan kan na dhibe, dubartootni abboota kanaa dhabduu ta'anii, booda immoo lakkuu godhachuu isaanii ti. Waaqayyo karaa tokko irra deddeebi'ee ni hojjeta! Dhalootni kan isaa ti!

38:28 "fo'aa diimaa harka isaatti hiite" sababiin fo'aa kanaa qabatamaa miti. Innis tarii baay'ee kan barame ta'uu ni danda'a, harkatti kaa'uuf waanmijataa ta'eef, yookaan bar-maatilee aadaa jabana sanaa ta'uu ni danda'a. Hedduun akka jedhanitti inni fakkeenya fayisuu/oolchuu Waaqayyoo ti, kunis Kakuu Moofaa guutummaa keessatti itti fufee waan godhamu (jechuunis, Iya. 2:18, 21). Ani karaa koo hiikaalee fakkeenya kana keessaa hin fudhadhu. Inni dhugaatti ibsa ragaa ijaati.

38:29 "Faares" maqaan kun (BDB 829 II) hiikni isaa "cabsuu" yookaan "Miidhanii/hubanii Ba'uu" dha (BDB 829 I).

38:30 "Zaaraa" maqaan kun (BDB 280 II) hiikni isaa "Ka'uu" yookaan "Dursuu" dha (BDB 280) booca gochima isaatii irraa. AB yaadannoo miil-jalee, fuula 297, hiikni jedhu kan dhufe "Ibsaa" irraa ti (BDB 280, kan argamus Isay. 60:3 irra qofa) akkasumas hidda dubbifamtoota wal fakkaataa irraa, kan inni ibsus fo'aa halluu ifaa qabuu dha (Macaafa Qulqulluu qayyabannaa Yihudootaa, fuula 78 ilaali).

Sababoolee mirga dhaalaatiif, mallattoon ilma angafaa barbaachisaa dha. Ta'e iyyuu, gaalee addaa keessatti hiddi sanyii abbootaa (Jechuunis, hiddi Masiyichaa) filannoo Waaqayyooti malee, kan namaa akka hin ta'in, ifatti mul'ata! Waaqayyo kaayyoo nama hundumaa fayisuu qaba, innis maatii Abrahaami keessaan kan hojjetu (3:15; 12:3; Ba'u. 19:5; Isayayas, Mikiyaas, Yoonas).

Ilaalcha dhuunfaatii, boqonnaan kun akka Macaafa Rutitti kan hojjetuu dha, hidda Yihudaatiif waa'ee hidda dhalootaa kennuudhaa, booda immoo maatii abbaa Daawwit Iseyiif. Ormoota turan, warra Kana'aanotaaf iyyuu hidda mooticha Daawwitiin (Rut)!

Gaaffiiwwan Maree

Kun qajeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan.

1. Yihudaan obboloota isaa dhiisee gara Kana'aanota gara Kibbaa dhaquun isaa fayidaa malii qaba?
2. Intala Kana'aan fuudhuun Yihudaa Macaafa Qulqulluu keessatti akka hin barbaachifnetti dubbatameera?
3. Maaliif Yihudaan mucaan isaa iin sadaffaa Taamaariin fuudhuu isaa sodaate?
4. Gochaawwan Taamaar maaliin ibsina? Kaayyoon isaanii yaadame maal ta'uu danda'a?
5. Fo'aan lakk. 28 irratti caqafame fayidaa tokko ni qaba ta'aa?

SEERA UUMAMAA 39

HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA 'E

NASB	NKJV	NRSV	NET	NJB (follows MT)
Milkaawina Yoseef Gibixitti	Yoseef Gibixitti Garba	Milkaa'ina Yoseef, qoromsaa fi	Yoseefi fi Hadha manaa	Gibixitti Yosefii fi guyyoota
39:1-6a	39:1-6	hidhaa	Phixiforaa	duraa
		39:1-6a	39:1-6a	
39:6b-18	39:7-18			39:1-6a
		39:6b-18	39:6b-10	Yoseefiin gara ejjaatti fiduuf yaalii
Yoseef ni hidhame			39:11-15	
39:19-23	39:19-20	39:19-23	39:16-18	39:6b-10
			39:19-23	39:11-15
	39:21-23			39:16-20a
				Yoseef mana hidhaatti
				39:20b-23

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula vii irraa)

SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

QO'ANNA JECHAA FI GAALEE

Macaafa Qulqullu Hiika Haaraa:39:1-6a

¹Yoseef gara biyya Gibxiitti gad ni geeffame; hojjetoota mootii Gibxi warra gurguddoota keessaa Phoxiifaaraa ajejuun eegdotaa, namni biyya Gibxi sun, warra Ishima'el warra gara Gibxiitti isa fidan irraa isa ni bitate. ²Waaqayyo garuu Yoseef wajjin waan tureef, wanti inni hojjetu wal qixxaateef; inni mana gooftaa isaa nama Gibxi sana keessa ture. ³Gooftaan isaas Waaqayyo akka Yoseef wajjin jiru, waan

inni harkaan qabus Waaqayyo akka wal qixxeesuuf ni arge. ⁴Yommus Yoseef faara gooftaa isaatii argatee, itti dhiyaatee isaaf ni hojjete; namichi immoo hojii mana isaa akka inni ilaaluuf, qabeenya isaa hundumaa harka isaa jala ni galche. ⁵Waaqayyo erga gaafa namichi hojii mana isaa waan qabu hundumaas Yoseef akka ilaalu godheetii jalqabee, sababii Yoseefiif jedhe mana namicha Gibxi sanaa ni eebbise; eebbi Waaqayyoo wanta inni mana isaa keessaa, alaas qabu hundumaa irra ture. ⁶Akkasitti namichi wanta qabu hundumaa harka Yoseefitti ni dhiise; buddeen nyaatu duwwaa malee lafa qabeenya isaa jiru iyyuu tokko illee hin beeku; Yoseef immoo dhaabbii ni tola, namattis ni miidhaga ture.

39:1 “Phoxiifaaraa” maqaan kun, hiikni isaa “inni waaqni biiftuu kan keenee” jechuu dha (BDB 806). Inni Uuma. 37:36 irratti caqafameera. Wal fakkaataa kan ta’e maqaa dhalaa (jechuunis, Phoxii-Feraa, BDB 806) gara dhumaa irratti Uuma. 41:45, 50; 46:20 keessatti argama.

■ **“mootii Gibxi”** beektotni hedduun kan tilmaaman Fara’on inni Yoseefiin Gibxi irratti muude, bulchaa mootota tiksee yookaan Hayiksosii ti (Dha. Kiristoos dura, 1720-1550 Viidi’oo seenaan ittiin darbu: Hiikaa Bauilaali). Werartootni Seemi kun Gibxiin jaarraa hedduudhaaf to’ataniiru. Akka isaan cimsanii dubbatanitti mootiin kun akka nama Gibxitti kan inni caqafameef (Lakk. 2) sababii bulchaa Hayiksos nama Seemi irraa mallattoo adda isa taasisu waan qabuufii dha.

■ **“ajejjaa”** kun kallattiidhaan “Xu’aashii” jechuu dha (37:36 irra yaadannoo jiru ilaali). Ta’e iyyuu, 40:2 irratti Phixii-Feraa fuudhuu isaa hubatna. Dhiironni saal-quunnamtii raawwachuu hin dandeenye tokko tokko fuudhuu ni danda’u, garuu kun heera miti. Jechichi kun kan dhimma itti ba’amef hojjetaa mana mootummaa sababii ta’eefii dha, kanaaf keewwata kana keessattis karuma kan irra kan dhimma itti ba’ameef.

■ **“Phoxiifaaraa”** kun mootota Gibxi hundumaaf mallattoo muudamaa ti (BDB 829, kallattiidhaan “mana mootummaa”). Moototni Gibxi ilmaan waaqa tolfamaa biiftuu akka ta’anitti yaadama ture. “Mana mootummaa” kan argisiisu mana mootummaa sanyii moototaa yookaan mooraa qulqullummaa ti, innis bakka jireenya waaqa-toldamaa Gibxi bakka bu’a.

■ **“Eegdotuu”** kun kallattiidhaan “Qalii” yookaan “Isa qalu” jechuu dha (37:36 irra yaadannoo jiru ilaali). Tokko tokko akka jedhanitti jechichi “Adaba du’aa isa raawwatu” jecha jedhu waliin baay’ee akka wal fakkaatuu dha. Ta’e iyyuu, iiti fayyadamni isaa Macaafa Qulqulluu keessattis ta’e macaafota qulqullaa’oo dabalataa keessaatti, eegduu mootii waliin wal qabatee, muudama loltummaa kan fakkaatuu dha. Kana jechuun Phoxii-Feraan baay’ee barbaachisaa, murteessaa, fi nama dureessa ture jechuu dha.

■ **“warra Ishima’el”** eenyummaa daldaltoota kara adeemtuu sana ilaalchisuudhaan gaafilee hedduun ka’aniiru. Uuma. 37:36 irratti isaan warra Miidiyaan jedhamanii waamamu ta’a (37:35 irra yaadannoo jiru ilaali). Gosti kun lamaan Uuma. 37:28 fi Abbo. 8:22, 24 irratti ibsamaniiru. Isaan Ishima’elii fi sanyii isaa waliin walitti dhufeenya muraasa qabu.

39:2 “Waaqayyo garuu Yoseef wajjin waan tureef” Inni akka hafuuraatti bu’aa qaba, kunis Seera uumamaa kana keessatt, jechi Yaawee jedhu darbee darbee kan argamu ta’uu isaa ti. Dhugaamatti yoo ta’e, dhimma Yoseef waliin wal qabatee, isa qophaatu argama. Kan inni dubbatus dhugaa Kana’aan keessa hin jirre akka ta’e ilaali. Waaqayyo giiftaan (Yaaween) biyya abdachiifame duwwaadhaan hin daangeffamu (Lallaba Isxifaanos HoE 7).

■ **“Waaqayyo garuu Yoseef wajjin waan tureef”** gaaleen jedhu, boqonnaa kana keessatti irra deddeebi’amee mul’ata, kana irraa kan ka’e iyyuu eebbi irraa hafaan seenaa isaa keessatti iddoo guddaa qabatee jira. Kana keessattis shoora ol aanaa kan taphate Waaqayyo malee Yoseef miti!

■ **“wanti inni hojjetu wal qixxaateef”** Yoseef nama “Milkaa’aa” ture (BDB 852 II, KB 1026, ሂፊል ቦዝ አጎቆጽ) naannoo isaa kan turanis immoo kan milkaa’aniff fi dureeyyii tura. Sirriitti isa akka kanaa ture, jiraachuu Yaaqoobiif Laabaaf kan ta’e. Jiraachuun Yoseef eebba addaa akka isaaf fide Phoxiifaaraan hubateera (Lakk. 3).

Gochimi hiifiliidhaan jiruu fi hundeen isaa raawwii fi milkaa’ummaa gochaa kan argisiisanii dha (eebba foonii qofa addaan baasee osoo hin taanee).

1. Uuma. 24:21, 40 (*Hiphil*)

2. Abbo. 18:5 (*Qal*)
3. 2 Seen. 26:5 (*Hiphil*)
4. Nahi. 1:11; 2:20 (hiifili)
5. Isay. 53:10; 55:11 (*Qal*)
6. Dani. 8:12, 24; 11:36 (*Qal*)

Ibsaa fi hiika ingliffaa, isaanis qajeelfama qorannoo Macaafa Qulqulluu of eegga dha!

■ “**inni mana gooftaa isaa nama Gibxi sana keessa ture**” kun mallattoo adduumaati, innis bakka bultii warra kaanii irraa addaan ba’ee, mana gooftaa isaatii keessa jiraachuu isaa kan argisiisuu dha. Yoseef nama amanamaa mana Phoxiifaaraa ta’eera.

39:3 “Gooftaan isaas Waaqayyo akka Yoseef wajjin jiru” Phoxiifaaraan itti gaafatamummaa kan isaaf kenne dandeettii bulchiinsaa inni qabuun hin turre, garuu walitti dhufeenya addaa eebba Waaqayyoo wajjin sababii inni qabuuf malee. Phoxiifaaraan kan inni kana godhe, irra caalaa fayidaa mataa isaatiif malee waa’ee amantiitiif jedhee miti.

39:4 Tajaajilli Yoseef karaa lama ibsameera.

1. “Tajaajilaa dhuunfaa, “ BDB 1058, KB 1661, *Piel* IMPERFECT, muudama tajaajila ol aanaatiif kan fayyadu, 2 Saam. 13:17, 18; I Moot. 10:5; II Moot. 4:43; 6:17
2. “Gaggeessaa, “ BDB 823, KB 955, *Hiphil* IMPERFECT, , 2 Moot. 25:23

Har’a tarii kan nuti waamamuu dandeenyu” gargaaraa bulchiinsaa” yookaan “Itti gaafatamaa mana galme” isa jedhuun. Jabana sana seera barreeffama warra Gibxi keessatti “nama maatii sooru” jedhama.

39:5 “sababii Yoseefii jedhe mana namicha Gibxi sanaa ni eebbise” kun bara Kakuu Moofaa hundattuu dhugaa raawwatamee dha. Eebba foonii fi, saba kakuu gidduu walitti dhufeenyatu jira (Uuma. 12:3; 30:27).

39:6 “Akkasitti namichi wanta qabu hundumaa harka Yoseefitti ni dhiise; buddeen nyaatu duwwaa malee lafa qabeenyi isaa jiru iyyuu tokko illee hin beeku; “beektotni seenaa tokko tokko kan ibsan, seera amantii irratti hundaa’uudhaan, akkuma warra Gibxi fi kanneen biro gidduutti ta’u, akkaataan nyaataa adda ta’e akka turee dha. Kun garaagarummaa kanaaf qabatamaa miti, garuu warra Gibxi biratti garaagarummaan aadaa akka jiru ifaa dha (Uuma. 43:32).

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:39:6b-18

⁶Yoseef immoo dhaabbii ni tola, ija namaattis ni miidhaga ture. ⁷Takka turtee haati manaa gooftaa isaa ija ishee Yoseef irra buufattee, “Aanaa wajjin ciisi!” ittiin jette. ⁸Inni garuu didee, haadha manaa gooftaa isaa sanaan, “Kunoo, gooftaan koo waan mana isaa keessa ana harka jiru hin beeku; waan kan isaa ta’e hundumaa harka koo jala galcheera; ⁹mana kana keessaa guddaan ana caalu hin jiru; si malees wanti inni anatti kennuu dhiisee, harkatti hambifate hin jiru; ati immoo haadha manaa isaa ti; egaa ani attamittan ammuna guddaa akkasii hojedha? Cubbuudhaanis attamittan Waaqayyoon yakka ree? Jedhe. ¹⁰Isheen guyyuma guyyaatti Yoseefitti kana yoo dubbatte iyyuu, inni ishee wajjin ciisuudhaaf yookiis ishee biratti argamuudhaaf, ishee dhaga’uu hin barbaadne. ¹¹Gaaf tokko Yoseef hojii isaa hojjechuudhaaf manatti yeroo ol galetti, namoonni achi keessaa warri kaan tokko illee mana hin turre; ¹²haati manaa gooftaa isaatii wayyaa isaa qabattee, “Aanaa wajjin ciisi!” ittiin jette; inni garuu wayyaa isaa ishee harkatti dhiisee, baqatee manaa hin ba’e. ¹³Isheen immoo Yoseef wayyaa isaa ishee harkatti dhiisee, alatti baqachuu isaa yeroo rgite, ¹⁴namoota mana ishee keessa hojjetan waamtee, “Waan namichi ibirichi nutti haa xabatuuf, abbaan manaa koo nutti fide godhe kana ilaalaa! Inni anaa wajjin ciisuudhaaf anatti ol gale, ani immoo sagalee koo guddisee nan iyye; ¹⁵inni akkan sagalee koo ol fuudhee iyye dhaga’ee, wayyaa isaa ana biratti dhiisee, baqatee manaa ba’e” jetteen. ¹⁶Isheen amma gooftaan isaa galutti wayyaa isaa of bira keessee eegde. ¹⁷Abbaa manaa isheettis oduudhuma akkasii himtee, “Garbichi ibirichi inni ati nutti fidde, anatti xabachuudhaaf anatti ol gale; ¹⁸garuu akkuma ani sagalee koo ol fudhee iyyeen immoo, wayyaa isaa ana biratti dhiisee alatti baqate” jette.

■ “Yoseef immoo dhaabbii ni tola, ija namaattis ni miidhaga ture” kunis hidda wal fakkataadhaan (“Bifa ni tola, “ BDB 421, “bifa, “ BDB 1061, “dhaabbii, “ BDB 909) haadha isaa Raaheliin ibsuudhaaf dhimma itti ba’ameera (Uma. 29:17). Hidda sanyii Masiyichaa waliin wal qabatee, dhiironni dhaabbii tolan hedduun Kakuu Moofaa keessatti caqafamaniiru. Saa’ol hammam nama hojaa qabuu fi bifa qabuutti yoo ibsame illee, gaaleen kun immoo kan itti dhimma ba’ame Daawwitii fi ilma isaa Abeshloom waliin haala wal qabateedhaan ture. Miidhaginni/ bifa toluun akka aadaa fi umuriitti gargar akka ta’e yaadadhu. Miidhaginni Yoseef, haadha manaa Phoxiifaaraa waliin madda rakkinichaa ti.

39:7 “haati manaa gooftaa isaa ija ishee Yoseef irra buufatte” dubartootni Gibxi walitti dhufeenyi hawwaasummaa isaa hawwaasa waliin qabaachuu qaban aadaa irraa akka beekamutti, innis sakkoo addaa dubartoota Gibxi waliin wal qabatee ti. Haati manaa Phoxiifaaraa walitti dhufeenya Yoseef waliin taasifte keessatti, baayee of eeggattuu turte. Kaayyoon ishees yerooti gara yerootti guddachaa kan dhufeef sadarkaa baay’ee kan darbe fakkaata (Lakk. 10). Gaaffiin dubartiin kun waa’ee saal-quunnamtiiif, dargaggeessa miidhagaa Ibra kanaaf dhiyeessitu kun dhiibbaa jabaa ture. Gocha Yihudaa isa boqonmmaa 38 keessa jiruu fi kan Yoseef boqonnaa kana keessaa gidduu garaa garummaatu jira!

39:8-9 Tarkaanfii isheen kutaa kana keessatti fudhatteef, Yoseef deebii quubsaa fi sababii ga’aa qabu kan kenneef fakkaata. Jalqaba gaarummaa Phoxiifaaraa, isa inni isaaf godhe waliin wal qabsiisee, innis yaadni isaa isheen itti bu’amuu akka hin qabne. Akkasumas Yoseef miira fedhii foonii isaa waliin, Waaqayyoon ilaaleera, jireenya isaa keessatti bakka adda addaatti akka arge. Wanti guddaan, akka ilaalcha isaatti, fedha foonii ishee wajjin raawwachuun, cubbuu Phoxiifaaraa irratti godhame qofa miti, haadha manaa isaa irrattis, garuu immoo Waaqayyo gooftaa irratti kan godhamee dha. Waaqayyoof maqaa walii gala fayyadamuu isaa hubadha (jechuunis, Elohim) sababiin isaas dubartiin kun hubannoo amantii akka hin qabne ifaa dha, kanaaf isheen maqaa Waaqayyoo maqaa kakuu (Yaawee) hin hubattu (Mata duree addaa 12:1 irra ilaali).

39:10 “Isheen guyyuma guyyaatti Yoseeffitti kana ni dubbatti turte” kun irra deddeebi’amee kan ulfaatuudha, walitti fufiinsaan haadha manaa gooftaa isaa waliin saal-quunnamtii akka raawwatuuf. Yoseef hojjetaa ture! Waan barbaade gochuuf illee mirga hin qabu ture!

39:11 Hiika barreeffamichaa irraa akka hubatnutti, yeroo Yoseef gara hojii isaa dhufe, isheen hojjetootni kanneen biroon akka hafan yaaddeetti. Akka warri Raabii jedhanitti kun kan ta’e guyyaa afeerraa warra Gibxitti ture, isheenis na dhukkuba jetteetti, manatti haftee Yoseefiin argachuudhaaf.

39:12 “inni garuu wayyaa isaa ishee harkatti dhiisee, baqatee manaa hin ba’e” namootni tokko tokko, sababii inni wayyaa isaa dhiisee baqateef Yoseefiin komatu (BDB 93, sirriitti maal akka ta’e qabatamaa miti, UBS A *Handbook on Uma. esis*, fuula 895, kan jedhu, bara sana Gibxi keessatti hojjetootni uffatnaa isaanii irratti asii gad hin uffatan, qomee xiqqoo malee), garuu maal gochuutu isa irra ture? Kun barbaachisaa ture, deebii hafuuraa qorumsa ejjaatiif ta’u (2 Ximo. 2:22; 2 Phex. 1:4).

39:13-18 lakkoobsotni kun hadheessa haadha manaa Phoxiifaaraa qabatanii jiru, hojjetoota Gibxi kanneen biroonii fi abbaa manaa isheetiif kan isheen dhiyeessite.

39:14 “namoota mana ishee keessa hojjetan waamtee” isaan itti dhiyeenya kan qaban ta’uu qabu, garuu mana hin turre. Haasaa ishee keessa, wantoota nama dhibantu jiru.

1. Abbaa manaa ishee aarsiteetti, nama Ibra kana mana fiduu isaatiif (Lakk. 19)
2. Nama Warra Ibrootaa ta’uu isaatiif, qomoodhaan isa abaarteetti

Galmee warra Gibxi irraa akka mul’atu, isaan saba biroo irra akka caalanitti of hubatau.

■ “Nama Ibra” jecha jedhuuf (BDB 720) lama keessaa tokko sababii ka’umsa ta’u qaba (1) Ebeer isa jedhu irraa kan dhufee dha, sanyii maatiin Abrahaam irraa argame (Uma. 11:16, Abrahaamii fi sanyii isaatiif 14:13 irratti fayidaa kan kenne (39:14, 17; 40:15; 41:12; 43:32) yookaan (2) Maqaa walii gala irraa kan dhufe, saba tikfattee/darabduu, isaanis laga Abiir (gala) jedhu gamaa kan dhufanii dha, በቴል ኤል ኦርማርና መልእክቶች.

■ “nutti haa xabatuuf” jechi Warra Ibrootaa isaatii “nutti haa xabatuuf” (BDB 850, KB 1019, peeyilii caaseffama hin murtaa’in) lakkoobsa kana irra jechamni aadaa waan jiru fakkaata”Miidhaa saalaa nuyi irraan ga’uudhaaf” (26:8). Deemsi isaa Yoseef gocha kana ishees ta’e maatii Phoxiifaaraa warren boroo irrattis akka raawwate argisiisuudhaaf.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:39:19-23

¹⁹Gooftaan isaa yeroo isa haati manaa isaa, “Garbichi kee akkas na godhe” jettee itti himte dhaga’etti, aaree ni boba’e. ²⁰Kana irratti Yoseefiin fuudhee mana hidhaa isa warri mootichi hiिसisu keesatti eegamanitti, isa galchisiise; innis mana hidhaa sana keessa ture. ²¹Waaqayyo garuu Yoseef wajjin ture, gaarummaas isatti agarsiise; namichi mana hidhaa eegus faara akka inni itti tolu godheef. ²²Eegduun mana hidhaa sunis, namoota hidhamanii mana hidhaa sana keessa turan hundumaa, eegumsaa Yoseef jala galche; waan achitti hojjetamun ta’u hundumaas isatu hojjeta ture. ²³Waaqayyo Yoseefii wajjin ture, waanuma inni hojjetu waan isaaf wal qixxessuuf, namichi mana hidhaa eegu sun waan eegumsaa Yoseef jala galche hundumaa isatti dhiisee, isa harkattis hin lakkoofne.

39:20 “Yoseefiin fuudhee mana hidhaa isa warri mootichi hiिसisu keesatti eegamanitti, isa galchisiise” yakka akka kanaatiff adabni beekame du’a ture (Ibsa Seen-duuba Macaafa Qulqulluu IVP, fuula, 71). Innis Phoxiifaraan dubbii haadha manaa isaa irraatti shakkii ta’e akka qabaate kan argisiisu fakkaata. Ani dhugaamatti kanan jedhu waa’ee jireenya Yoseef akka kanaa irraati, amanannaa guddaa inni Yoseef irratti qabu, dirqamatti ajaa’ibsiifatamuu qaba (Uma. 40:15)!

❑ “mana hidhaa isa warri mootichi hiिसisu keesatti eegamanitti, isa galchisiise; innis mana hidhaa sana keessa ture” kun mana hidhaatiif jecha beekamaa miti. Innia kan fakkaatu naannaawaa (circular) ta’u kan jedhu hidda irraati (Weeddu Weeddotaa 7:2) yookiin “cufamu” (BDB 690, k an argamu 39:20-23 fi 40:3, 5 irratti qofa) akkasumas beektotni tokko tokko akka jedhanitti manni hidhaa sun naannessa, kanneen biroon immoo akka jedhanitti lafa qabiyyee ajajjuu eegdotaa (Phoxifaaraa) irra kan jirru, gamoo adda ta’ee dha. Yoo kun dhugaa ta’e attamittiin Yoseef mana mootichaatii gara mana hidichii, isa itti dhiyoo turetti akka dabarfame ni ilaalla.

Karoorra isaa isa itti fufee jiru eegaludhaaf, “harki Waaqayyoo” inni hin mul’atne hojii irra jira. Boqonnaa 37 eegalee Yoseef amanannaa Waaqayyo gooftaa irratti qabuun, raawwatee geddaramaera. Waaqayyoon beekuun amala keenyas ta’e gocha keenya irratti jijjiirama fida!

39:21-23 jiraachuun Waaqayyoo karaa ifaa fi mul’ataa ta’een, amma iyyuu Yoseef waliin jira. Kana jechuun eegumsi Waaqayyoo isa waliin ture jechuu dha malee, shaakalli qaamaa fi sammudhaa murtaa’oon ulfaatoo ta’an hin jiran jechuu miti.

39:23 gaaleen kun lakk. 6 waliin wal fakkaataa dha. Yoseef wann hundumaaf eeggannoo ni taasisa ture. Innis gara dhumaatti akkuma hubatnu hojii abjuu hiikuu (Bulchiisa), Waaqayyo biraa isatti kennametu ture.

SEERA UUMAMAA 40

HIKAA HAARAA KEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA 'E

NASB	NKJV	NRSV	NET	NJB (follows MT)
Yoseef Abjuu hike	Abjuu isa hidhamaa	Abjuun Yoseef hiikaamuu	Yoseef Abjuu namicha hidhamee hiike	Yoseef Abjuu hojjettoota Fari'oonii hiike
40:1-8	40:1-8	40:1-8	40:1-4 40:5-7 40:8a 40:8b	40:1-4 40:5-8
40:9-15	40:9-15	40:9-15	40:9-11 40:12-15	40:9-15 40:16-19
40:16-19	40:16-19	40:16-19	40:16-17 40:18-19	40:20-23
40:20-23	40:20-23	40:20-23	40:20-23	

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula vii irraa)

SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

Qo'annoo Jechaa fi Gaalee

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:40: 1-8

¹ Kana booddee immoo eegduun warra mootii Gibxiif dhugaatii dhiyeessanii, eegduun warra buddeena tolchaniin mootii Gibxi gooftaa isaanii duratti balleesaa godhatan. ² Mootiin Gibxi yommus hojjetoota isaa warra gurguddoota kana lamaanitti ni dheekkame; ³ inni manaa hidhaa iddoo Yoseef itti hidhamee eegamaa jiru keessatti akka isaan eeguuf ajajjuu eegdota mana hidhaatti isaan kenne. ⁴ Ajejjuu eegdota mana hidhaa sunis Yoseeffitti adaraa isaan kenne innis isaaniif ni ergame; isaanis takka achitti ni eegaman. ⁵ Gaaf tokko halkan, eegduu warra mootii Gibxiif dhugaatii dhiyeesan, eegduun warra buddeena tolchaniis abjuu abjootan; abjuun isaan lamaanuu mana hidhaa keessa utuu jiraniin mata mataatti abjootan kun, hiika addaa-addaa qaba ture. ⁶ Yoseef ganama isaan bira dhufee yeroo isaan ilaaletti fuula badanii isaaniin arge. ⁷ Inni kana irratti hojjetoota mootii Gibxi warra gurguddoota isaa wajjin mana gooftaa isaatti eegamaa jiraniin “Har’a maaliif nyaara guurtan?” jedhee saan gaafate. ⁸ Isaan immoo deebisanii “Nuyi abjuu abjooonee namni nuuf hiiku dhibe” jedhaniin yommus Yoseef isaaniin “Abjuu Waaqayyotu hiikaatii isin anatti himadhaa!” jedhe.

40:1 “**dhugaatii dhiyeessanii**” jechi kun gochima “Dhuguu” jedhu irraa kan dhufee dha (BDB 1052). Jechi kun yeroo baay’ee “Ergamtuu” jecha jedhutti hiikameera. Macaafni inni Amerikaatti hiikame jecha kana “Kabajamaa nama daadhii buusu” jedhee hike. Yaada kanaaf Macaafa Qulqulluu keessa luqqisii lamatu jira. (1) Nahimiyyaa. 1:11 (BDB 1052 I) fi (2) “Rabshakeh” Jechi jedhu (BDB 913 II, cf. II Mot. 18:17, 19, 26, 27, 28, 37; 19:4, 8; Isa. 36:2, 4, 11, 12, 13, 22; 37:4, 8) Mu’inatti kun abba taayitaa mana mootummaa fi amanamummaa nama qabu ture. Nyaata sakatta’ee mootiif dhiyeessuu qofa osoo hin taane dabalees gorsituu mootii ture. Yeroo hundumaa wanta mooticha miidhuu fi ajjeessu danda’u hundumaa irraa kan eeguu dha. Inni eegduu nyaata qopheeffamuus ture.

■ “**warra buddeena tolchaniin**” warra buddeena tolchnii (BDB 66, KB 78, kun wanta amma ta’aa jiru kan argisiisuu dha) inni jedhu kun mana mootummaa warra bya Baha ishee fagoo (Far East) biratti nama baay’ee murteessaa fi aantii ture. Kun keessumatti akkuma beekamu Gibxi keessatti Keekiin gosa 37 fi daaboon gosti 57 kan tolfamu dhugaa kana irratti hundaa’uudhaan ture. Daabboo sana keessaa tokko tokko bifa hurii Gibxi keessa jiraniin akka qabaatuuf, akkasumas wantoota garaa garaa akka fakkaataniif halluun garaa garaa kan itti godhamuu fi midhaan gosa garaa garaa irraa kan hojjetamanii fi boocni addaa addaa kan itti ba’u.

■ “**mootii Gibxi gooftaa isaanii duratti balleesaa godhatan**” balleessaa attamii akka balleessan hin ibsamne. Tarii ta’uu kan danda’u (1) sadarkaa buddeenichaa yookaan dhugaatichaa (2) mare isaanii yookaan isa irraa irrachuu; gochimi “Balleessaa” jedhu (BDB 306 KB 305 jecha/guutuu) bakka isa fakkaatu kan itti hiikamuu dnada’u hedduu qaba (“galma hankaakuu”; “Yakka”; “Dogoggoruu”) 39:9 42:22 43:9) ilaalaa. Akka Raashiitti (Waa’ee jaarraa giddu galeessaa ibsa kan kennu) balleessaan sun kan argisiisu (1) Dhugaatii mootichaa keessa titiisn buutee ta’a; (2) Buddeenicha keessatti ashawwaan argamee ti ta’a jedha. Ta’e iyyuu kun hiika ta’innaa yookaan oduu afaaniiti malee dhugaa galmeeffaame miti.

40:2 “**Mootiin Gibxi.... ni dheekkame**” gochimi kun (BDB 893 KB 1124 ኢ. ፍጹማው ቃል) yeroo baay’ee kan tajaajile;

1. Dheekkams Waaqayyootiif Lew. 10:6 lakk. 16:22, Kes 1:34 9:19
2. Dheekkamsa namaatiif
 - a. Musee; Ba’u. 16:20, Lew. 10:16 lakk. 31:14
 - b. Ajajaa warra Filsxiyaa; I Saam 29:4
 - c. Nimaan, II Moot. 5:11
 - d. Nama Waaqayyoo, II Moot. 13:19
 - e. Arxeksees; Ast. 1:12
 - f. Eegdota mootichaa; Ast 2:21
 - g. Dheekkamsa jabaa gochaan mul’atu argisiisa. 39:19 irratti “Aaree bob’e” isa jedhu irraa adda. (354 KB 351).

40:3 “inni manaa hidhaa iddoo Yoseef itti hidhamee eegamaa jiru keessatti akka isaan eeguuf ajajjuu eegdota mana hidhaatti isaan kenne” “ajajjuu eegduu mana hidhaa” jechi jedhu Phoxifaaraa kan argisiisuu dha (37:36 39:1).

Ajajjuun mana hidhaa Phoxifaaraa (BDB 978) Yoseef akka hidhamu taasise. Hidhamtootni kun laamaan dhimmi isaanii siyaas of keessaa akka hin dhabne beekamaa dha. Sababiin isaas tarii deebi’anii mana mootummichaatti diinota hamoo ta’uu ni danda’u.

■ “hidhamee eegamaa jiru keessatti” jechi hidhamee jedhu kallattiidhaan yeroo ilaalamu hidhamuu jechuu dha. (BDB 63; KB 75). Tarii Yoseef yeroo murtaa’eef miilli isaa sibiila gidduu galfamee hidhameera ta’uu danda’a (Faar: 105:18); ta’u iyyuu Waaqayyo isa waliin ture. Kun yeroo baay’ee rakkisaa fi ulfaataa ture. Mana hidhaa keessas yeroo hagamiif akka ture sirriitti waan beekamu hin jiru. Beektotni tokko tokko waggoota 10 iif turee jedhu (Fakkeenya lakk. 4 irratti “takka achitti” waan jedhuuf).

40:4 “Ajejjun eegdota mana hidhaa sunis Yoseefitti adaraa isaan kenne” namni kun, Yoseef hojii akkanaatti ga’umsa nama qabu waan iitti fakkaateef, jarreen kun sirriitti akka ilaalamaniif jedheeti kan inni Yoseefitti isaan kenne.

Namni tokko “ajajjuun eegdotaa” jedhamee inni waamame

1. Phoxifaaraa; 37:36 39:1
2. Eegduu mana hidhaa; 39:21-23 osoo ta’e ni ajaa’ibsiifatama ta’a.

Inni tarii mana hidhaa baay’ee adda ta’e to’annaa Phoxifaaraa jala kan jiru ta’uu danda’a; garuu itti gaafatamummaa sana “ajajjuu eegdotaa” isa Yoseefiif kennetti dabarsee kenne.

40:5 kutaan kun Yoseef kenna lammaffaa adda ta’e akka inni qabu (Fakkeenyaaf abjuu hiikuu) mul’inati ibsuudhaaf sadarkaa ifaa ta’e kaa’a isaa. Waaqayyo gooftaan yeroo hedduu ofii isaa saba iaatti mul’ataan itti mul’ateera garuu immoo sanyii Abrahaam warra hin ta’initti yeroo baay’ee abjuudhaan itti mul’ata (Uuma. 20:3; 31:24; 41:1; Dani 2).

40:6-7 “Yoseef ganama isaan bira dhufee yeroo isaan ilaaletti fuula badanii isaaniin arge” yeroo kana Yoseef hidhamee akka hin jirre ifaa dha. Haalli namootni kun keessa jirani fi miirri isaanii hedduu isa dhibee ture. (“Fuula badanii” BDB 277 II KB 277 *jecha/ haala yeroo darbee kan argisiisu*).

40:8 Ammas Yoseef waa’ee jireenyaatiif hubannoo bu’uuraa qabu argisiisa (Fakkeenyaaf wanti hundumtu abjuu dabalatee aboo Waaqayyoo jala akka jiru, Uuma 41:16; 25:28; Dani: 2:27-28:45). Jireenya isaa irraa akka hubatnu abjuun wantoota barbaachisaa akka ture, maatiin isaatiin jibbamuu kan buufate yoo ta’e illee, yeroo dargaggeessa tures karaa Waaqayyo ittiin isatti dubbatu akka ta’e ni beekna (Uuma 37. Gochimi “Himuu” jedhu kallattiidhaan “Odeessuu” bifa ajejaatiin gochima kana waliin kan wal qabatee dha (BDB 707, KB 765, *Piel IMPERATIVE darbees lakkoofsa isa itaanu kana bana Uuma 37:10*).

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:40:9-15

⁹Eegduun warra dhugaatii dhiyeesanii abjuu isaa Yoseefitti yommuu himatu “Abjuu kootiin ani muka wayinii fuula koo duratti nan arge ¹⁰ mukti wayinichaa dame sadii qaba ture inni akkuma hudheen ni daraare ija ni dhaqate hurbuun isaas ni bilchaate ¹¹ xofoon mootichi Gibxi itti dhuguu ana harka ture, anis ija wayinichaa ciree xofoo mootii Gibxitti cuunfee, xooficha harka mootii Gibxitti nan kenne” jedhe. ¹² Yommuu Yoseef namichaan “Abjuun kee kan itti hiikamu dameen sadan sun guyyoota sadii ¹³ guyyaa sadii’itti mootiin Gibxi ol si qaba, lafa hojii keetiis si deebisa; akkuma dur yeroo ati dhugaatii dhiyeesaa turte fudhatamee tureetti, ati xofoo mootii Gibxi harka isaatti ni kennita. ¹⁴ Yeroo siif tolu sanatti garuu ana yaadadhu! Adaraa mootiin Gibxi akka na yaadatu gootee mana kana keessaa na baasisuudhaan wanta gaarii anaaf godhi! ¹⁵ Ani biyya Ibra keessani hatamee dhufe biyya kanattis immoo mana boollaa kana keessaa kan na buusisu ani waan tokko illee hin hojjetne jedhe.

40:9 “muka wayinii fuula koo duratti nan arge” Sababii wayinii raacitiin itti name/itti dabalame biyya Gibxi keessatti fayidaa irra ooluu hin dandeenyeef, beektonni baay’een kun abjuu seena qabeessa akka ta’e hubataniiru. Ta’u iyyuu garuu barreessaa seenaa durii kan ture, Heroditas walitti dhufeenya kana irratti xiqqoo dogoggoreera. Sirriidha wayiniin raacitiin keessa hin buufamine dhugaatii yaraan biyaa Gibxi keessa hin turre: Garuu lubootaa fi

namoota ulfina qaban biratti itti dhimma ba'ama ture. (*Manners and Customs of the Bible* by James M. Freeman, fuula 45 ilaalli).

40:11 “**cuunfee**” gochim kun (BDB 965, KB 1315, *Qal* IMPERFECT) akkaataa nama dhibuun Kakuu Moofaa keessaa kutaa kana qofaa keessatti argamuu dha.

40:13 Namichi dhugaatii buusu sun iddoo isaa duriitti ni deebi'e. Inni iddoo isaa durii jedhamee hiikame sun kallattiidhaan yeroo ilaalamu “Murtii” dha (BDB 1048) garuu akkaataa yaada Macaafa Qulqulluun ala ta'etti darbe darbe itti dhimma ba'ameera. Amaleeffannaadhaan “Murtii” yookaan “Haqa” isa jedhamutti hiikameera.

40:14-15 Tajaajilaa fi gaarummaa Yoseefiif namicha daadhii buusu irraa faara toluutu eegama. Dhimma isaa isa haqa malee ta'e ni ibsaaf, Fara'onitti himees akka inni hiikamuuf ni kahata. Yoseef garbicha booj'amaa hidhamaa waan ta'eef akka hidhamaa Fara'oonitti hin qabamne.

40:15 Yaadni obboloota isaatiin gurguramuu Yoseef ibsu “Hatamee” jecha jedhuun mul'ateera (Kallattiidhaan; waa'ee hatamuu). Kun idda jecha sanaa keessatti gochima hin murtaa'inii fi hin raawwataminii fayadama barreeffama cimaa ta'ee dha (BDB 170 KB 198).

■ “**Biyya Ibrotatii**” kun kan ta'uu danda'u

1. Gara booda kanaa namni barreesse/gulaale itti dabaleera ta'a.
2. Biyya abbootni keessa jiraachaa turan ilaalchisuudhaan itta dhimma ba'ameera ta'uu ni danda'a (Yoo kun dhugaa ta'e kan Ibra irraa deebi'ee hiikamnuunii fi akkaataa dhiphaa ta'een fayidaa irra ooluun isaa hin barbaachisu ture).

■ “**mana hidhaa**” jechi kun (BDB 92) (Uma 37:24) irratti isa obbollooni isaa biyya Kana'aanitti boolla keessa isa buusuu isaanii wajjin tokkumma. Inni boolla tokkoo gara biraatti jejjirameera! Jechichi asitti akkasumas Ba'u. 12:29 fi Erm 37:16 irratti mana hidhaaf itti dhimma ba'ameera.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:40:16-19

¹⁶ Eegduun warra buddeena tolchaniis, Yoseef abjuu gara gaariitti hiikuu isaa ni arge; innis abjuu isaa isatti yommuu himatu, “Anis immoo abjuu kootiin kunoo buddeena gundoo sadiitu mataa koo irra ture. ¹⁷Buddeenni bifa garaagaraatiin tolfamanii, mootiin Gibxi akka nyaatuf qopheeffaman hundinuu gundoo mataa koo irra isa ol aanu keessa turan; allaattonni immoo gundoo isa mataa koo irra jiru keessaa ni nyaatu turan” jedhe. ¹⁸ Yommuu Yoseef deebisee, “Abjuun kee kan itti hiikamu, gundoon sadan sun guyyoota sadii; ¹⁹ guyyaa sadiitti mootiin Gibxi ol si fuusisee, mukatti akka si rarraasan ni godha allaattonnis foon kee irraa ciratanii ni nyaatu” jedhe.

40:16 “Anis immoo abjuu kootiin kunoo buddeena gundoo sadiitu mataa koo irra ture” “buddeena adii” isa jedhuuf jechi Warra Ibrootaa isaatii (BDB 301 I) Aramaayikii fi Arabaa irraa kan dhufe hundee jechaa “Adii” jedhuu irraa kan dhufe jecha darbee darbee argamuu dha (NIDOTTE, Jildi 2 Fuula 54).

Inni tarii gundoo adii; sibirrooni irraanis cinaanis ta'anii isa keessaa budeen nyaachuu kan danda'an argisiisuu ni danda'a (Lakk 17). Biyya Kan'aanitti dubartootni ba'aa ulfaataa kan isaan baatan mataa isaaniitti yeroo ta'u, Gibxitti garuu dhiirota qofaatu ba'aa ulfaataa mataa isaaniitti akka baatan yaadachuun gaarii dha, dubartootni garuu gatiittii isaaniitti baatu. Kun seenichi sirrii fi adda ta'uu isaa argisiisa.

40:17 “mootiin Gibxi akka nyaatuf qopheeffaman hundinuu” Barreeffama warra Gibxi tokko tokko irraa akka argatnetti keekiin gosti 38 fi daaboon gosti 57 Gibxi keessatti akka beekaman seenaa keessatti beekamaa dha (Yaadannoo lakk 1 irra jiru ilaalaa).

40:19 “mootiin Gibxi ol si fuusisee” lakk. 13-19 jiran keessatti “mataa kee ol qaba” gaaleen jedhu hiika bu'uuraan adda ta'e akka qabu ifaa dha (BDB 669; KB 724; jecha hin raawwatamin). Lakk 13 irratti salphaatti “mataa nama tokkoo ol qabuun gaarii gochuu argisiisa” jechuu dha (Lakk 6:26). Innis “gadhiisuu” kan jedhu dubbii haalaa qaba (2 Moot. 25:27). Lakk 19 irratti “mataa ol qabuun mormi kutuu argisiisa” BDB 671; 3b). Inni dabalataan fannifamuu hin argisiisu sababiin isaas nama mormi isaa cite fannisuun rakkisaa dha! Haalli fannisuu kun erga namni tokko du'een booda bakkee irratti fannisuu yookaan wanta qara qabuun waraanuu jechuu fakkaata Iysu 8:29; ISaam 31:9-10; 2 Saam 4:12). Kun du'uun nama tokkoo erga mirkanaa'een booda

yaada isa waraanuu du'a isaan boodaa fakkaata Kes. 21; 23. Dhugaan foon nama du'e tokkoo allaattiidhaan akka nyaatamu gochuu, reeffi nama du'ee yeroo dheeraadhaaf akka turu gochuu muuxannoo kan qaban warra Gibxiif baay'ee kan ulfaatuu dha.

Kana gidduu walitti dhufeenya kan jiraatu yoo ta'e eenyu iyyuu ajaa'ibsiifachuu ni danda'a.

1. "Hidhaa" (kallattiidhaan "Geengoo") 39:20-23:40:35
2. "Gabrummaa" (kallattiidhaan "Boolla") 40:15
3. "Ol fuudhe"

Manni hidhaa tokko laffa irratti boolla guddaa geengoo/naannessa ta'uu ni danda'aa?

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:40:20-23

²⁰Guyyaan sadaffaan guyyaa itti mootiin Gibxi dhalachuu isaa ayyaaneffatu waan tureef, hojjetoota isaa hundumaaf nyaachisa godhe; inni eegduu warra dhugaatii dhiyeessan eegduu warra buddeen tolchaniis hojjetoota isaa gidduutti ol ni waamsise. ²¹Innis eegduu warra dhugaatii dhiyeessan sana hojii dhugaatii dhiyeessuu isaatti isa deebise; namichis xooffoo harka mootii Gibxitti kenne; ²²eegduun warra buddeena tolchanii immoo akka rarraafamu godhe; kunis akkuma Yoseef isaaniif hiike ta'e. ²³Kana keessaa immoo eegduun warra dhugaatii dhiyeessanii Yoseefiin ni hirraanfate malee hin yaadanne.

40:20-23 Kun raawwatamuu hiika abjuu fi Yoseefiin dagachuu ajajjuu warra dhugaatii mootichaa buusanii ti. (BDB 269; KB 269 *jecha kakuu*). Ammas taanaan Waaqayyo gooftaa irraa kan hafe eenyu iyyuu Yoseefiin hin hubatu. Maddi dhugaan Waaqayyo qofaa dha! Ammas gochimi "Ol fuudhe" jedhu akkaataa faallaa ta'een fayidaa irra ooleera (wantoota murtaa'oo wallalchisoo ta'an dabalatee lakk. 20).

Gaaffiiwwan maree boqonnaa 39-40

Kun qajeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasuu malee, ibsa irratti hin laatan.

Phoxifaaraa fi Yoseefiin eenyutu wal barsiise? Maaliif?

1. Yoseef boqonnaa kana keessatti Yihudaa isa boqonnaa duraa keessa jiru waliin attamittiin adda ta'a?
2. Yoseef kaayyoodhaaf mana hidhaa akka jiru hubattanii jirtuu?
3. Waaqayyo yeroo hunda abjuu qofaadhaan dubbata moo yookiis abjuu murtaa'oo ta'aniin dubbata? Dandeettiin abjuu hiikuu kennaa ayyaanaa isa dhaabbataa dhaa yookiis shaakala murtaa'aa Kakuu Moofaa ti?

SEERA UUMAMAA 41

HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

NASB	NKJV	NRSV	NET	NJB (follows MT)
Abjuu Farii'on	Abjuu Farii'on	Ulfina Yoseef	Yooseef abjuu Mooticha heeke	Abjuu Farii'on
41:1-8	41:1-8	41:1-8	41:1-8	41:1-4 41:5-7
41:9-13	41:9-13	41:9-13	41:9-13	41:5-7
Yoseef hiike				
41:14-24	41:14-24	41:14-21	41:14-15 41:16 41:17-24	41:8-13 41:14-16 41:17-24
41:25-36	41:25-36	41:25-36	41:25-32 41:33-36	41:25-32 41:33-36
	Yoseef gara Taayitaatti dhufe		Yoseef mooti Gibxii taasifame	Guddina Yoseef
41:37	41:37-45	41:37-45	41:37-46a	41:37-43
Yoseef mooti Gibxii taasifame				41:44-45
41:38-45				
41:46-49	41:46-49	41:46-49	41:46b-49	41:46-49
Ijoollee Yoseef				Ijoollee Yoseef
41:50-52	41:50-52	41:50-52	41:50-52	41:50-52
41:53-57	41:53-57	41:53-57	41:53-57	41:53-57

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula vii irraa)

SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nnama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa

3. Keyyata sadaffaa

4. kkk

QOANNAA JECHAA FI GAALEE

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:41:1-8

¹Wagaan lama erga darbee booddee, Mootin Gibxii abjuu abjoote; abjuu isaatiinis qarqara lagga abbayyaa dhaabbatee ture; ² kunoo saawwan cululuqoo fi gabbatoon torba lagga abbayyaa keessaa ol ba’anii, jajjaba keessa ni dheedu turan. ³ Ammas kunoo, saawwan kan biraa jibbisiisoonii fi huqqattoonni toraba laga abbayyaa keessaa ol ba’anii, saawwan warra duraa bira qarqara lagichaa dhaabatan. ⁴ Saawwanni warri jibbisiisoonii fi huqqattoonni sun warra cuccululuqoo fi gabbatoo turban sana ni liqimsan; kana booddee mootiin Gibxii hirribaa ni dammaqe. ⁵ Motiin Gibxii ammas deebi’ee rafee, lammaffaa abjuu abjoote; kunoo, mataan midhaanii torba iji isaa gugguutee, toleesi somaa tokko irratti guddatee ture; ⁶ isaan booddeedhaan immoo kunoo, mataan midhaanii iji isaa xooxaree qilleensi ba’abiiftuu gube torba ol ba’an. ⁷ Mataan midhaanii warri xooxaran, warra gugguutuu gurguddaa sana turban sana ni liqimsan; mootiin Gibxiis ni dammaqe; kunis abjuu ture. ⁸ Yommuu bar’es mootiin Gibxiis yaadni isaa waan raafameef, warra ayyaana hedanii fi beektota Gibxii ofitti waamsisee, abjuu isaa isaanitti ni hime; garuu isaan keessaa namni abjuu sana hiikuu danda’e hin turre.

41:1 “Wagaan lama erga darbee booddee” kun, dhugaatti, boqonnaa 40 waliin wal sima, innis isa inni abjuu hidhamtoota lamaan sanaa hike, lamaan isaanii iyyuu kan hiikaman itti fakkaatee, garuu kun hin taane. Guyyichi isa tokkoof gara itti gaafatamummaatti deebi’uu, isa kaaniif immoo gara du’uutti. Oduu seenaa Yoseef hunda keessatti ajaa’iba wanti ta’u gulaalaan/ barreessaan seenichaa guyyoota hedduu barreessuu isaa ti: (1) Inni yeroo garbummaatti gurgurame umuriin isaa 17 ture (Uuma. 37:2); (2) Yeroo waggaa 30 guutetti, ajajaa saba Gibxi isa lammaffaa ta’ee ture (Uuma. 41:46). Lakkoobsota kana irraa hubachuun kan danda’amu mana hidhaa keessa kan inni ture tilmaamaan waggaa 13 ta’a. Kunis osoo rakkinni karaa dubartittii isa hin mudatin, yeroo Phoxifaaraa tajaajile murteessa.

■ **“Faraa’on”** Faraa’on mootota Gibxiif maqaa walii-galaa ti, akkuma Hadad Sooriyaaf ta’e, Sizaar immoo Romaaf, Ruusiyaaf Zar akkuma ture. Hiddi-jechaa (Root word) jecha isaatii qabatamaa miti, garuu immoo Logistootni Gibxi akka tilmaamanitti kan inni dhufe gaalee “Mana-mootummaa” jedhu irraati (BDB 829, jechuunis, mana waaqayyolii tolfamoo). Yoseef Gibxi hunda irratti bulchaa isa lammaffaa akka ta’e morkii hedduutu jira. Hedduun kan tilmaaman, ta’uu kan danda’u, bara Hayiksoosii ti, innis “Mootota tikee, “ isaanis warra Gibxi osoo hin taane, walumaa galatti warra Seem turan (ABሐ (መልአቅ መጽሐፍ ቅዱስ ሐተታ), fuula 316 ilaali). Isaanis Dhaloota Kiristoos dura 1730 - 1570 bulchaa turan. Ta’ee iyyuu, ajaa’ibsiisaa wanti ta’u lakk. 1, irratti “Laga, “ jecha jedhuuf innis mul’inatti Abaayiin kan argisiisu, akkaataan argamuu isaatii dhaloota Kiristoos dura 1546-1085 (bara mootummaa 18^{ffaa}) qofa kan mul’atuu dha. Galmee warra Gibxi irraa kan nuti hubatnu kanneen armaan olitti caqafaman kana lamaan caalaatti, seenaa warra Gibxi hunda keessatti mootummaa Gibxi geggeessaa kan turan warra seem turan

■ **“Abjuu”** Abjuu fi hiikkoo isaanii ilaalchisuudhaan, biyya Gibxittis ta’e Mesopotomiyaatti, barreeffama hedduutu jira. Kan nama dingu, namootni Ibra lamaan, Daani’eel Mesopotomiyaatti, Yoseef immoo Gibxitti, mootota waaqa tolfamaa waaqessaniif hojjechuu isaanii ti.

NIDOTTE, jildii 2^a, fuula 154^{ffaa}, waa’ee abjuu sadanii ibsa ajaa’ibsiisaa kenna.

1. Hirriba uumamaa, Faar. 126:1; Isay. 29:7-8; Lall. . 5:7
2. Mul’ata sobaa, Erm. 23:25, 27, 32; 27:9-10; 29:8; Zak. 10:2
3. Mul’ata dhugaa, Uuma. 20:3; 28:12; Lakk. 12:6; I Moot. 3:5; Dani. 2:28; Maat. 1:20

Mul’atni yeroo hedduu halkan mul’ata, garuu immoo abjuu irraa kan adda ta’an fakkaata. Adda addummaan uumama isaanii inni sirriin hin kaa’amne.

Waaqayyo gooftaan dammaqiinsa sammuu namootaa waliin wal arga, akkaataa isaaniif beekamaa fi hubatamaa ta'etti fayyadamuudhaan .

■ **“Abbayyaa”** Kun (BDB 384) jechoota walitti fufiinsaan warra Gibxiif adda ta'an keessa isa jalqabaa ti. Isaanis jecha addaa kan warra Gibxi waan ta'aniif miti, garuu immoo waliigalli yaada barreeffamichaa aadaan isaa kan Gibxi waan ta'eefii dha. Lagni kunii fi lolaan wagga waggan isa irra maddu madda jireenyaa fi bu'a qabeessummaa warra Gibxii ti. Innis akka waaqa kadhatamuu ta'ee fudhatameera (Ba'u. 1:22).

41:2 “saawwan cululuqoo fi gabbatoon torba” Abboota amntii durii kan ta'an nama Room, Polutark, nama saanaa fi Alksaanderiya Kelementi irraa akka hubatnutti, “Saawwi” (BDB 831) fakkeenyummaa lafti Gibxi hoomisha kan kenitu ta'uu ishee ti. Akkuma saawwi horii hormaata Gibxi ta'e, Filsxiyaaf immoo hoolaa dha. Saawwi hoomishtummaa qonnaa ilaalchisuudhaan, abjuu warra Gibxiif filnnoo ifaa ta'ee dha (Jechuunis, “lafa sondii/oomishaa gaarii kennuu, “ BDB 421 [kallattiidhaan, “kan tofuu”] fi “hawwataa, “ BDB 135).

■ **“ol ba'anii, jajjaba keessa ni dheedu turan”** kunis jecha ergisaa warra Gibxi isa kan biraa dha. Madda oduu warra Gibxi irraa akka hubatnutti saawwan kan isaan, bishaan Abbayyaa seenaniif sababoota hedduudhaaf: (1) Ofii isaaniitii qabbaneeffachuuf; (2) Ilbiisota of irraa ari'uudhaaf; akkasumas (3) Margaa lalisaa qarqara bishaanii jiru dheeduudhaaf (BDB 28).

41:3-4 Saawwan kun, saawwan nagaa lakk. 2 irra jiirniin faallaa dha.

1. Jibbisiisoo (kallattiidhaa, “ilaaluudhaaf jibbisiisoo”), BDB 948 I CONSTRUCT BDB 909
2. Huqqatanii (kallattiidhaa, “foon isaanii kan huqqate”), BDB 201 CONSTRUCT BDB 142

Isaan nyaatan (BDB 37, KB 46, *Qal* IMPERFECT) saawwan warra nagaa (Lakk. 4).

41:5 Abjuun lammaffaan irra kan deddeebi'amee dha, saawwan sun midhaan san waliin faallaadhaan dhiyaachuu isaaniin alatti (BDB 987 II).

41:6 “qilleensi ba'a-biiftuu” qilleensi lafa onaa kun (BDB 870), innis (afaan Araaminyaatii) akka warra Filisxiyaatti “Siiroko” jedhamee kan beekamu, oomisha qonnaa lafa sanaa miidhuudhaan, hammeenya isaatiin kan beekamee dha, innis Kibba Bahaa irraa kan qilleensa'uu dha. Innis Gibxitti “Kihmsiin” jedhamee waamama, kan dhufus Kibbaa fi Kibba Bahaa irraa ti. Innis His. 17:10 fi Hos. 13:15 iin argisiisa. Wanti horiin nyaatu hundinuu (namoonnis) ni dhumu.

41:8 “Hafuurri isaa waan raafameef” “Hafuura” በሚል የተተረጎመው ቃል ሩሀነው (BDB 924), innis humna-hafuura Bineeladootaa fi namootaa lafa irra jiraatanii ti. Innis “qilleensa, “ “Hafuura, “ “hafuura” isa jedhutti hiikamuu ni danda'a.

Gochimni “Raafame” jedhu (BDB 821, KB 952, *Niphal* IMPERFECT) jecha darbee darbee mul'atuu dha. Innis hundee niifiliitiin kan itti dhimma ba'amee dha, Faar. 77:4; Dani. 2:1, 3, fi hafuura Waaqayyoo “Kakaasuu” isa jedhuuf itti dhimma ba'aameera, Abbo. 13:25. Hiikni bu'uura isa kanaas “Oofuu” yookaan “dhiibuu” dha.

■ **“warra ayyaana hedan”** Kunis jecha ergisaa warra Gibxi yeroo ta'u, innis kan dhufe hidda “yaadaan fudhatamuu” jedhu irraatti (BDB 355) yeroo mara kan itti dhimma ba'amuufis beekumsa seera uumamaa gararraa ta'eedhaaf (Ba'u. 7:11, 22; 8:7, 18, 19; 9:11). Jechi warra Gibxi maaliif luba ekeradubbiftuu warra Baabilooniif akka itti dhimma ba'ame (Dani. 1:20; 2:2, 10, 27; 4:7, 9) wanti qabatamaan hin jiru. Waan kana ta'eef, namoonni kun dubbiftoota, shaakala irra warra jiranii, fi barruulee durii waa'ee ekeradubbiftuu fi hiika isaa, akkasumas kanneen biroo warra barreessanii dha. Kan isaan argisiisan Gibxi qofa keessatti miti, akkasumas immoo Baabiloon keessatti (Isay. 44:25; Erm. 50:35; 51:57) fi Faaris keessatti (Ast 1:13 እና 6:13). Daani'eeliin kan itti dhimma ba'ame jechoota adda ta'anii dha, garuu sabuma tokko ibsu.

Ibsa bal'aa warra ekeradubbiftuu fi hiika abjuutiif barreeffama hiika abjuutiif biyya Baha dhiyoo ishee durii keessatti barreeffame A. L. Oppenheim, *The Interpretation of Dreams in the Ancient Near East* Fuula 184-307 ilaali.

■ **“beektota Gibxi hundumaa”** kun gorsitoota mana mootummaa kan argisiisuu dha (BDB 481 CONSTRUCT BDB 314, cf. Ba'u. 7:11; Isaa. 19:11, 12), qomoo lubootaa warra ekeradubbisan kan ilaallatu ta'uu dhiisuu ni danda'a.

■ “garuu isaan keessaa namni abjuu sana hiikuu danda’e hin turre” walumaa-galatti Nebukadnezaar caalaatti, Faraa’ on beektota amanamoo hedduu qaba ture, innis hiika isaa akka qopheessaniif, qabiyyee abjuu isaatii tokko tokkoon itti hin himne (Dani. 2)!

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:41:9-13

⁹Yommus eegduun warra dhugaatii dhiyeessanii mootichaan, “Ani balleessaa koo har’a nan yaadadhe; ¹⁰ al-tokko ati dheekkamtee anaa fi eegduu warra buddeena tolchanii sana, eegdota mana hidhaatti kennitee nu hiisiftee turte. ¹¹ Nuyi halkanuma tokkicha abjuu abjoonne inni anis abjuu hiika addaa-addaa qabu mata mataatti abjoonne. ¹² Achii Ibrichi dargaggeesi garbichi ajajjuu warra eegdotaa tokko nu bira ture; abjuu keenya yeroo isatti himannee inni adduma addaan akkuma abjuu keenyaatti hiika isaa nuuf kenne; ¹³ akkuma inni abjuu keenya nuuf hike ta’e, ani hojii kootti nan deebi’e eegduun warra biddeena tolchanii immoo ni rarraafame” jedhe.

41:9-12 “balleessaa koo” Keewwati kun dhugaawwan Uuma. 40 irra jiran kan argisiisuu dha. Innis mootii Gibxi isa haaraatti, waan dubbatu fakkaata.

41:12 “Ibrichi dargaggeesi” 40:15 yaadannoo jiru ilaali.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:41:14-24

¹⁴ Kana irratti mootiin Gibxi ergee Yoseefiin ni waamsise; isaan boolla mana hidhaa sana keessaa hariifachiisanii isa fidan; inni haaddatee, uffata isaas erga diddiirratee, gara mootii Gibxitti ni dhiyate. ¹⁵ Mootiin Gibxii yommus Yoseefiin, “Ani abjuu abjoodheen ture, garuu namni tokko illee anaaf hiikuu hin dandeenye; ati garuu abjuu yoo sitti himan hiikuu ni dandeesa jechuu nan dhaga’e” jedhe. ¹⁶ Yoseef deebisee, mootii Gibxiin, “Waaqayyotu deebii nagaa isa siif ta’u kenna malee ana miti” jedhe. ¹⁷ Yommus mootiin Gibxi “Kunoo ani abjuu kootiin qarqara laga abbayyaa dhaabadheen ture ¹⁸ saawwan gabbatoo fi cuccululuqoon torba laga abbayyaa keessaa ol ba’anii jajjaba keessa dheedu turan. ¹⁹ Isaan booddeedhaan immoo saawwan jooroo baay’ee jibbisiisoo fi huqqatoon torba ol ba’an ani saawwan sakachaa’oo akka isaanii takkaa guutummaa biyya Gibxi keessatti argee hin beeku. ²⁰ Saawwan huqqatoo fi jibbisiisoon sun saawwan gabbatoo turban duraa sana ni liqimsan. ²¹ Erga isaan liqimsanii booddee garuu amma iyyuu akkuma isaanii duraa jibbisiisoo waan ta’aniif saawwan sana liqimsuu isaanii namni tokko illee beekuu hin danda’u ture kana booddee ani hirribaa nan dammaqe. ²² “Akkasumas ani abjuu koo isa kaan keessatti mataa midhaan torbaa iji isaa gurguddatee kan tole soma tokko irratti utuu guddatuu nan arge. ²³ Isaan booddeedhaan immoo kunoo mataa midhaan iji isaa coolligee xooxare qilleensi ba’a biiftuu gube torba ol ba’an. ²⁴ Mataan midhaanii warri xooxaran sun immoo mataa midhaanii warra iji isanii tole turban sana ni liqimsan ani kana warra ayyaana hedanitti nan hime garuu tokko illee kan kana naaf ibsu hin argamne” jedhe.

41:14 “boolla mana hidhaa sana keessaa hariifachiisanii isa fidan” ammas jecha ergisaa warra Gibxitu jira (40:15 yaadannoo jiru ilaali) “boolla mana hidhaa, “ jechi jedhu hiikni isaa, ta’uu kan danda’u “Boolli daa’aannoo warra Gibxi namatti cufamuu” dha. Yoseef kan inni hidhamee ture hidhamtoota siyaas waliin akka ta’e ifaa dha.

■ “inni haaddatee, uffata isaas erga diddiirratee” asittis immoo areeda qofa aaddachuu dhiisuun, aadaa warra Gibxii ti, mootii Gibxi duratti dhiyaachuudhaan dura, garuu qaama hundumaa aaddachuudhaan, guutummaatti of qulleessuu dha.

41:16 “Waaqayyotu deebii nagaa isa siif ta’u kenna malee ana miti” deebiin kun deebii Dani. 2:27-30 irra jiru waliin baay’ee wal fakkaata. Yoseef maddi abjuu sanaa humna Waaqayyootiin malee, dandheetii isaatiin, jechuunis ekeraa-dubbisuudhaan yookaan immoo caaffattoota bara durii dubbisuudhaan akka hin taane baree jira (40:8). Yoseef ilaalcha kaayyoo bittaa mootummaa Waaqayyummaa (Theocentric) qaba (Lakk. 25, 28, 32).

Jechichi kan hiikamu”kan mijatu” isa jedhutti yeroo ta’u, jecha *shalom* jedhuu dha (BDB 1022), innis “Nagaa, “Fayyummaa, “ yookaan “Jaallatamaa” isa jedhuu dha. Mata duree addaa 15:15 irra ilaali. Akka haala galumsa boqonnaa 41tti, shalom inni jedhu hafeera Fara’oon kan argisiisuu dha (“hafuurri isaa nagaa dhabee ture”) 41:8 irra.

41:17-24 Inni kun waa'ee oduu abjuu Fara'oon, boqonnaa 41 irra jiru irraa, hanga tokko adda kan ta'ee dha. Innis haalicha waliin sirriitti wal sima. Eenyuun iyyuu taanaan seenaa isaa yeroo lammaffaa, osoo keessaa hin hirrisin akkasumas osoo itti hin dabaln sirriitti himuu hin dnada'u. Anaaf kun seena qabeessa ta'uu odichaatiif mallattoo dha.

41:18 “**Cuccululuqoo**” jechi jedhu ijaarsa warra Gibxiti “kan miidhage” (BDB 421) fi “bifa” (BDB 1061). Ijaarsi kun kan itti dhimma ba'ame

1. Saawwaniif, kutaama kana keessatti,
2. Dubartootaaf, Uuma. 29:17; Kes. 21:11; I Saam. 25:3; Ast 2:7
3. Nama, Uuma. 39:6
4. Muka, Erm. 11:16

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:41:25-36

²⁵ Yoseef yommus mootii Gibxiin, “Abjuun kee tokkichUma, Waaqayyo wanta gochuudhaaf jedhu sitti mulliseera; ²⁶ saawwan nama mararan turban waggoota torba; mataan midhaan tolanis waggootuma turban sana; abjuun kee lachanu tokkichumatti ni hiikama. ²⁷ Saawwan huqqatoo fi jibbisiisoon isaan sana booddedhaan ol ba'an turban, akkasumas mataan midhaan ija hin qabne qilleensi ba'a biiftuu isaan gube turban waggoota torba; waggootni kun turban waggoota beelaa ta'uuf jiru. ²⁸ Dibbichi akuman sitti himeedha yaa mootii! Waaqayyo wanta gochuudhaaf jedhu sitti agarsiiseera. ²⁹ Yeroon itti guutummaa biyya Gibxi irratti quufni guddaan isaa ta'u, kunoo, waggootni torba dhuf jiru. ³⁰ Isaan booddedhaan garuu waggootni beelaa torba ni dhufu; quufni biyya Gibxitti ta'e sun hundinuu ni irraanfata; beelichis biyyicha ni fixa. ³¹ Beelichi inni isatti aanu baay'ee cimaa waan ta'uuf, waggootni quufaa sun biyyicha keessatti deebi'anii hin yaadataman. ³² Abjuun kee lama ta'uun isaa dubbichi Waaqayyo biraa akka cite, Waaqayyo yeroo gabaabaa keessatti kana gochuuf akka jiru ni agarsiisa. ³³ “Ammas ati nama hubataa nama ogeessas ilaali, biyya Gibxi irratti aboo irra kaa'i! ³⁴ Itti dabaltees namoota dubbicha duukaa bu'anii ilaalan, waggoota quufaa turban keessaas wanta biyya Gibxi irraa galu keessaa harka shan keessaa harka tokko fuudhan, biyyicha irraa kaasi, aboos kenniif! ³⁵ Isaan midhaancha hundumaa waggoota gaarii dhufuuf jiran kana keesa walitti haaqaban! Nyaataafis mandaroota keessa tuulanii, harka kee jalatti haa eegan! ³⁶ Biyyichi beelaan akka hin badnetti, miidhaan kun biyyaaf akka ta'utti, waggoota turban yeroo itti beelli biyya Gibxi irra bu'uuf jiru sanaaf haa ka'amu!” jedhe.

41:25 Waaqayyo gooftaan kan dubbate nama Gibxi tokko, nama Waaqayyo gooftaa hin beekne, waan kana ta'eef maqaa waliigala ta'e waaqummaadhaaf itti dhimma ba'e, innis *Elohim*. Mata duree addaa 12:1 ilaali.

Waaqni kun Faraa'onitti, mootii waaqa tolfamaa waaqeffatu kanatti, kaayyoo isaa gara fuula duraa itti himuudhaaf, qophaa'aadhaa fi kan fedhii qabu ture (Lakk. 25, 28, 32). Yeroo hedduu kaayyoo fayisuu Waaqayyoo isa bara baraa keessatti “Ormoonni” xiyyeeffatnaa Waaqayyoo ta'anii jiru (3:15; 12:3; Ba'u. 19:5-6; Isay; Yonaas; Maat. 28:19-20; Luq 24:47; Ho. Erga. 1:8)!

41:26-32 Yoseef abjicha Faraa'oniif ibsuu eegale. Lakk. 24 irratti warra xibaartota keessaa tokoon isaanii illee gochuu akka hin danda'in hubadhu.

41:26 “**waggoota torba**” Barreeffama fayidaa ANE (Biyya Baha dhiyoo ishee durii) keessatti marsaan waggaa torbaa beekamaa dha (ANET, Fuula 31).

41:27

NASB

“Mataa midhaanii torban”

NKJV

“Mataa midhaan ija hin qabne”

NRSV, JPSOA

“Mataa midhaan ija hin qabne”

NET

“Mataa midhaanii torban”

NJB

“Mataa midhaanii torban”

LXX

“Mataa midhaanii torbanii fi qilleensi ba'a-biiftuu isaan gube

Jechi Warra Ibrootaa

1. Qalloodhaaf, הַרְקָה
2. Duwaa/kan waan tokko hin qabne, הַרְקָה

D (ד) fi r (ר) qubeewwan jedhaman yeroo hedduu wal fakkaatu. Akka odeeffannoo giddu galeessa barreeffama qayyabannaa macaafa Kaku Moofaa Warra Ibrootaa fi UBS inni jalqabaa (1979, fuula 62^a) kan kennu “Qaloo” sadrkaa B (shakkii murtaa’ee qaba).

41:32 “**dubbichi Waaqayyo biraa akka cite, Waaqayyo yeroo gabaabaa keessatti kana gochuuf akka jiru ni agarsiisa**” Yoseef humnaa fi dursee beekuu Waaqayyo isaatii, haala warra Gibxi waliin wal qabsiisee mirkaneessa. Xibaartota warra Gibxi (Ba’u. 7-8), fi waaqolii tolfamoo warra Gibx, beekuu yookaan dhaabuu hin dandeenye.

Waaqayyo gooftaan booda irratti waaqota tolfamoo warra Gibxi salphisuudhaaf dhayicha Baukeessaa jirutti fayyadameera. Waaqayyo gooftaan, warri Gibxi akka isa beekan ni barbaada!

41:33-36 Kutaalee kana keessatti Yoseef beekumsa isaa isa hubannaadhaan guute kenna, innis waa’ee waggoota quufaa dufuuf jirani fi waggoota beelaa hamaa dhufaniif qophees godhamuu qaba.

Jechoota gochima irraa dhufan (VERBALS) kana ilaali.

1. “Ammas Faraa’on nama hubataa fi ogeessa haa barbaadu, “ Lakk. 33, B BDB 906, KB 1157, *Qal* JUSSIVE
2. “Biyya Gibxi irratti haa moosisu, “ Lakk. 33, BDB 1011, KB 1483, kan hin raawwatamin bifa cimsuutiin kan gale
3. “Faraa’on tarkaanfii haa fudhatu, “ Lakk. 34, BDB 793, KB 1483, *Qal* IMPERFECT used in a JUSSIVE
4. “Namoota dubbicha duukaa bu’anii ilaalan, “ Lakk. 34, BDB 823, KB 955, *Hiphil* JUSSIVE
5. “Oomisha biyyaa harka shan keessaa harka tokko haa fuudhan, “ Lakk. 34, BDB 332, KB 331, *Piel* PERFECT, peeyilii raawwatamaa, bifa cimsuutiin kan gale (NASB)
6. “Midhaan walitti haa qaban, “ Lakk. 35, BDB 867, KB 1062, *Qal* IMPERFECT, kan hin raawwatamin bifa cimsuutiin kan gale
7. “Nyaataafis kan ta’u haa kaa’an?” Lakk. 35, BDB 840, KB 999, *Qal* IMPERFECT, kan hin raawwatamin bifa cimsuutiin kan gale
8. “Midhaanicha haa eegan, Lakk. 35 BDB 1036, KB 1581, *Qal* PERFECT, kan raawwatame bifa cimsuutiin kan gale (NASB)
9. “miidhaan kun haa kaa’amu” Lakk. 36 BDB 224, KB 242, *Qal* PERFECT bifa cimsuutiin kan gale (Haala galumsa barreeffamaa kana keessatti, kanneen raawwataman sadiitu jiru, isaanis bifa cimsuutiin kan galan)
10. “Innis baay’ee cimaa ta’a” gaalee jedhu hubadhu, Lakk. 31

41:33 Innis ilaalamuu kan qabuuf, raajii Waaqayyo gooftaa isa mul’ataa, innis waggootaa quufaa torbaa, isa boodee immoo waggootaa beelaa torba (Isaan eenyu iyyuu akka hin miidhamne, innis dheekkamsaaf Waaqayyo biraa akka hin ta’in, garuu biyya kufee keessatti kufaatii haala qilleensaa) qofaadha kaayyoo kan qabu, dhimmi guddaan gocha namaa isa karoorfame irratti. Ol aantummaan/ beekumsi Waaqayyoo kunii fi hojiin namootaa mallattoo adda ta’uu Macaafa Qulqulluu ti. Lachuu iyyuu murteessoo dha (Ba’u. 3, Beekumsi/hojiin Waaqayyoo lakk. 7-9 irratti, garuu immoo deebiin Musee kan barbaachiseef, lakk. 10-12 irratti).

Mata duree addaa: Fo’amuuf/ dursee murtaa’uu (carroomuu) fi barbaachisummaa madaallii sagalee Waaqayyoo

Fo’amuun bu’uura amantii isa dinqisiisaa dha. Ta’ee iyyuu, inni waamicha jaalalaa miti, waamicha karaa darbiinsaa ta’uuti malee, sababii/meeshaa fayyuu warren birootiif! Kkuu Moofaa keessatti jechichi kan itti dhimma ba’amaa turame tajaajilaaf ture; Kaku Moofaa keessatti tajaajila waliin wal qabatee, fayinaaf itti dhimma ba’ameera. Macaafni Qulqulluun ol aantummaa Waaqayyoo fi fedhii walabummaa namaa isa wanta wal-faallessu fakkaatu walitti hin araarsu, lachuu iyyuu ni cimaa malee! Macaafa Qulqulluuf morkiidhaaf kan wayyu

kan fakkaatu Rom. 9, akkaataa filannoo ol aantummaa Waaqayyoo fi Rom. 10 barbaachisummaa deebii mucaa namaa (Zak 10:11, 13).

Mormii Macaafa Qulqulluu kanaaf hiiktuun kan argamu Efe. 1:4 irrattii dha. Yesuus nama waaqayyoon fo'amee dha, akkasumas hundumtuu humna isaatiin kan filamanii dha (Karl Barth). Yesuus fedhii mucaa namaa isa kufeef "Eeyyee" Waaqayyooti Karl Barth). Efe. 1:4 immoo dhimmicha ibsuudhaaf tumsa kan inni godhu kaayyoon dursanii carroomuu waaqa irra miti, qulqullummaa dha malee (Kiristoosiin fakkaachuu). Yeroo maraa fayidaa Macaafa Qulqulluu yaaduudhaan, itti gaafatamummaa keenya dagatna! Waamichi (fo'annaan) Waaqayyoo yeroodhaaf akkasumas Bara baraaftii dha!

Bu'uuraaleen amantii warren biro waliin wal tumsuudhaaf dhufu malee, addummaaf, dhugaa wal hin tumsineef miti. Fakkeenya gaarii kan ta'urjoota adda addaa fi urjii qopha isaa jiru. Waaqayyoo dhugaa kan inni fide haala (Sharbee) warra Lixaatiin (Europe) malee kan warra Bahaatiin miti. Nuti mormii jiru balleessuun nutti hin jiru, bu'uuraalee amantii isa dhugaa karaa wal faallessuudhaan (paradoxical) wal cina dhiyaatan:

1. Dursanii fo'amuu yookaan fedhii walaba namaa
2. Fayina amantootaa yookaan barbaachisummaa ofiin xaaruu
3. Cubbuu jalqabaa yookaan cubbuu fedhii
4. Tasumaa cubbuu malee ta'uu yookaan hanga tokko cubbuu hojjechuu
5. Qajeelummaa fi qulqullummaa jalqaba irratti ta'uu yookaan qulqullummaa itti fufiinsa qabu
6. Walabummaa Kiristiyaanummaa yookaan itti gaafatamummaa Kiristiyaanummaa
7. Sammuu namaan ol ta'uu Waaqayyoo yookaan murtaa'aa ta'uu Waaqayyoo
8. Waaqayyoo bakki isaa kan hin beekamne ta'uu isaa yookaan Waaqayyoon isa qulqulluu sagalee isaatiin beekamu danda'uu isaa
9. Mootummaa Waaqayyoo amma akka jirutti yookaan fuula duratti akka argatanitti
10. Qalbii jijjiiratnaan akka kennaa Waaqayyooti yookaan qalbii jijjiiratnaan akkataa deebii mucaa namaatti barbaachisaa kan ta'e
11. Yesuus akka Waaqayyooti yookaan akka namaatti
12. Yesuus abbaa waliin wal qixa ta'uu isaa yookaan gargaartuu abbaa ta'uu isaa

Ijoo "Kakuu" yaada waaqayyummaa ol aantummaa Waaqayyoo (yeroo hunda jalqaba isaa kan fudhatuu fi yaada isaa kan qopheessu) ka'umsa dirqisiisaa fi qalbii jijjiiratnaa itti fufiinsa qabu, deebii amantii namoota irraa barbaachisuun. Bu'uura amantii ofii keessanii isa jaallatamaa qofa yookaan seera Macaafa Qulqulluu hubachiisuu irraa of eegga dhaa!

41:34 "wanta biyya Gibxi irraa galu keessaa harka shan keessaa harka tokko fuudhan" "oomisha" gaaleen jedhu addaan ba'ee barreeffamuu isaa hubadhu, innis barreeffama Ibraayisxi keessa hin jiru jechuu dha. Kanaaf, **"harka shan keessaa harka tokko haa fuudhan"** inni jedhu (BDB 332, KB 331, *Piel* BDB 332, ashuuraa (tax) dhibbattaa digdama (20%) akka sassaabamu kan argisiisuu dha, innis sirna barreeffama Gibxi irraa akka hubatnu, yookaan kan argisiisu biyya Gibxi kutaa bulchiinsaa (Konyaa) shanitti qooduu (AB Fuula 313).

Beektotni tokko tokko akka jedhanitti gochim kun kan dhufe keewwata raawwii Gibxi irraati תנול (BDB 332), hiikni isaas "kan qophaa'e" yookaan "waan barbaachisu hundaan kan guutame" (Iya. 1:14; 4:12; Abbo. 7:11, AB, Fuula 313). Kunis kan ta'uu danda'u JPSOA "Biyya Gibxi qoqqooduu" dhaan.

41:36 "Biyyichi beelaan akka hin badnetti" "biyya" jechi jedhu (BDB 75) saba Gibxii fi mootummaa Gibxi kan bakka bu'uudha.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:41:37-45

³⁷ Yaadni dhiyaate kun mootii Gibxiif hojjetoota isaa birratti gaarii ta'ee mul'ate. ³⁸ Mootiin Gibxi ergasii hojjetoota isaatiin "Nuyi nama hafuurri Waaqayyoo keessa jiru akkasii kana argachuu ni dandeenyaa?" jedhe. ³⁹ Mootiin Gibxi yommuu, "Erga Waaqayyoo kana hundumaa akka ati beektu godhee namni hubataa fi ogeessi akka keetii hin jiru; ⁴⁰ ati mana koo irratti gooftummaa hin fudhatta sabni hundinuu akka ati ajajutti ni abboomamu ani immoo teesoo mootummaa koo duwwaadhaanan si gargaaraa jira" jedhe. ⁴¹ Mootiin Gibxi immoo Yosefiin "Kunoo ani guutummaa biyya Gibxi irratti aboo siif kenneera" jedhe. ⁴²

Kana booddee mottin Gibxi mallattoo hamarttii isa harka isaattii baasee harka Yosefitti ni kaa'e; uffata quncee talbaa ba'eessa irraa hojjetames itti ni uffise; dirata warqees morma isaatti kaa'eef. ⁴³ Konkolaataa isa kan isaatti aanu irras isa teessise, warri fuula isaa dura labsanis "Gad jedhaa qoommaa'aa!" ni jedhu turan; mootchi akkasittiin Yosefiin guutummaa biyya Gibxi irra kaa'ee, aboos ni kenneef. ⁴⁴ Inni Yosefiin"Ani mootiin Gibxi mootummaa koo hin dhiisu! Garuu fedha kee malee namni tokko illee guutummaa biyya Gibxi keessatti harka isaa yookiis miilla isaa hin sokoksiisu!" jedhe. ⁴⁵ Mootiin Gibxi "Zaafenat-phane'aa" jedhee Yosefiif maqaa ni kenne; Asenaat intala Phoxifaaraa luba On immoo isatti ni heerumsiise; kana booddee Yoseef biyya Gibxi irra ni naanna'e. .

41:38 "hafuurri Waaqayyoo" kun Jechi Warra Ibrootaa *ruach Elohim* jedhamee kan hiikame (BDB 924 (BDB 924, fi BDB 43). Faraa'on jecha Yoseef gargaarame gargaaramuu isaa hubadhuu. Kunis amala wal fakkaataadha, Ibr nama hin ta'iniin abjuun sun hiikamuu akka hin dandeenye.

41:40

NASB

"mana koo irratti gooftummaa fudhadhu"

NKJV

"mana koo irratti haa mo'u"

NRSV

"Haa abboomamu"

NET

"sabni hundinuu akka ati ajajutti ni abboomamu"

NJB

"Siif haa abboomaman"

LXX

"Waan ati jetteef abboomamuu ni ta'u"

JPSOA

"Haa abboomamu"

REB

"Waan ati jette hunda ni kanbaju"

Hiddi-jechaa (Root word) jecha kanaa qabatamaa miti, garuu immoo kan wal fakkaachuu daqnda'u hidda jecha Warra Ibrootaa, kunis" Afaan dhungachuu" hiika jedhu waliin (BDB 676, KB 30, kan hin raawwatamin). Innis tarii jechuu kan barbaade (1) "abboomamaa ta'uu" (KB) yookaan (2) "Kabajaa argisiisuu dhaaf gad jedhanii lafa dhungachuu" (Faar. 2:12). Yoseef bulchaa biyya Gibxi isa guddaa waan ta'eef, akkuma Faraa'aniif ajajaman (Lakk. 42, 43, 44), warri Gibxi dubbii (kallattiidhaan, afaan) Yoseef ni kabaju.

41:42 "mallattoo hamarttii" kun hidda wal fakkaataa "gad fudhatamuu" ti (BDB 371), innis tarii kan argisiisu isa amartiin abbootii taayitaa supheedhaan hojjetamee, galmee seera qabeessa irra yeroo kaa'amuu dha (Ast 3:10, 12; 8:8, 10).

▣ "uffata quncee talbaa ba'eessa irraa hojjetames itti ni uffise" kunis jecha ergisaa warra Gibxii ti (BDB 1058 III) innis hawwaasa Gibxi keessatti sadarkaa beektotaatti kan uffatamu, uffata adii quncee talbaa irraa hojjetamuu dha (laali'oonii).

▣ "dirata warqees morma isaatti kaa'eef" kun seenaa Gibxi hunda keessatti, kleessumatti immoo bara bittaa mootummaa isa 12^a keessatti, mallattoo taayitaa kan argisiisuu dha (Dani. 5:7, 16, 29). Ibsi kun hundi, aadaa Gibxi yeroo sanaa ilaalchisuudhaan sirrii dha. Isaan kun ibsa warra ragaa ijaa ta'anii ti!

41:43 "kan isaatti aanu" kun Yoseef Gibxi irratti itti bulchaa itti aanaa ta'uu isaa argisiisa (Jechuunis, ajajaa jalqabaa). Jechi" lammaffaa" jedhu (BDB 1041) yeroo heduu abbootii taayitaa bulchiinsa siyaasaa yookaan sabaa ti (1 Saam. 23:17; II Moot. 23:4; 25:18; I Seen. 5:12; 15:18; II Seen. 28:7; 31:12; Nahi. 11:17; Ast 10:3; Erm. 52:24).

▣ "Gad jedhaa qoommaa'aa" Hiikni jecha warra Gibxii kun ("Jilba, " JPSOA) baay'ee mormisiiseera. Qooqni isaa akka hidda kan Warra Ibrootaatti "Jilbeenfachuu" dha. Hiikni hedduun kanneen biroonis ni jiru, Brown, Driver fi Briggs (BDB 7) Ta'ee iyyuu, Vulgeet, hiikaan Warra Ibrootaa Akulaan, Origeen inni Aleksaanderiyaa, fi xiinxalaan Yihudii, Kiimichii, hundumtuu kan jedhan hiikni isaa "Jilbaan jilbeenfachuu" yeroo ta'u, kunis kan dhufe hidda jecha Warra Ibrootaa durii irraa ti (BDB 7). Kunis akka yaada galumsa bareeffamichaatti kan wayyuu dha.

41:44 "fedha kee malee namni tokko illee...harka isaa yookiis miilla isaa hin sokoksiisu" Kunis karaa biraatiin "hojiin yookaan gochi kam iyyuu osoo Yoseef hin beekin hin eegalamin yookaan itti hin fufine" jechuu dha. Innis abboo fi taayitaa walii gala kan argisiisuu dha.

41:45 “Mootiin Gibxi “Zaafenat-phane’aa” jedhee Yoseefiif maqaa ni kenne” Kun muudama taayitaa yeroo ta’u, Faraa’ onuma mataa isaa waliin kan wal simuu dha (Uuma. 45:8). Faraa’ on isa moggaasuun isaa fakkeenya aadaa ta’uu ni danda’a, Yoseef irratti aboo qabaachuu isaa kan ibsu. Hundeen-jecha kanaa kan ta’an hedduun yaadaman turaniiru. Isaan keessaa baay’ee beekamaa kan ture “Waaqayyo ni dubbata, innis ni jiraata, “ isa jedhuu dha, kunis Faraa’ on biiftuu kan waaqeffatu ta’uu isaa, yookaan Waaqayyo Yoseef waaqeffatu ni dubbata Gibxiinis ni oolchaa ta’a. Inni biraan yaadamu “Waan hundumaa kan beeku isaa, “ yeroo ta’u, kunis Yoseefiin akka hiikaa abjuutti ilaaluu dha.

■ **“Asenaat intala ... isatti ni heerumsiise”** Kunis maqaa Gibxi isa kan biraa dha, hikni isaas “Keneez kan taate” (BDB 62, 41:45, 50; 46:20), isheenis waaqa-tolfamtuu jaalalaa warra Gibxi kan taate.

■ **“Phoxifaaraa luba On”** Kunis maqaa Gibxi isa kan biraa dha, kunis maqaan Phoxifaaraa inni Uuma. 37:36; 39:1 keessa jiru bifa adda addaa kan qabuu dha. Hiikin isaa kan inni (Re) kenne” jechuudha (BDB 806). Faraa’ on Yoseefiin intala luba beekamaa akka fuudhu gochuudhaan, toora warra beektotaa (Beekamoo) keessa isa taasise (BDB 463).

■ **“On” “On”** (BDB 58) magaalaa waaqa-tolfamaa biiftuu ti. Innis Girikiitti Elyutu jedhama, akkasumas Warra Ibrootaatti Beezshimesh jedhama (Erm. 43:13). Innis daangaa lafa Gesem irraan, Kaayiroo irraa gara Kaabatti Maayilii torba irra isa jiru kan argisiisuu dha.

NASB, NKJV

“Yoseef biyya Gibxi irra ni naanna’e”

NRSV

“Yoseefis biyya Gibxi hundumaa irratti abbaa taayitaa ta’e”

NET

“Biyyattii hundumaa irra adeeme”

NJB , LXX

“Yoseefis biyya Gibxi hundumaa irra adeemuu aagale”

NREB

“Taayitaan Yoseefis biyya Gibxi hundumaa irratti ni baballate”

JPSOA

“Yoseefis biyya Gibxi irratti itti gaafatamaa ta’e”

Gaaleen kun kallattiidhaan kan hiikame NASB fi NKJV irraa ti. Ta’ae iyyuu, hiikni isaa morkisiisaad dha.

1. Lakk. 45 fi 46 wal cinee dha, kanaaf, “Biyya sana hundumaa irra adeeme” (TEV, NJB, LXX, NIV)
2. Asteer 1:17 irratti kun gochima baay’ee beekamee dha “deemuu” yookaan “dhufuu” (BDB 422, KB 425, *Qal* IMPERFECT), innis kan itti dhimma ba’ame wanta baay’inaan lafa fudhateef ta’a (jechuunis ergaa waa’ee garaa garummaa Vastiin). Kana waan ta’eef asi irratti maqaanii fi taayitaan Yoseef biyyicha hundumaa irra tamsa’e (NRSV, NREB).
3. **Sababii gaalee “Biyyicha hundumaa irra”** jedhuuf, Lakk. 33, 41, fi 43 irra gochima jiru faana, taayitaan Yoseef akkaataa muudama waliin wal qabateen, gochimicha dirqamatti akkuma isa sanaa ti (JPSOA).

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:41:46-49

⁴⁶Yoseef fuula Fara’ on mootii Gibxi duratti dhiyaatee yammuu hojii irra dhaabame, nama waggaa soddomaa ture; Yoseef fula mootichaa dura ba’ee guutummaa biyya Gibxi keessa naanna’e. ⁴⁷Waggoota quufaa turban sana keessa lafti midhaan baay’ee ammas hin jedhamne ni keenne. ⁴⁸Yoseef midhaan waggoota sana biyya Gibxitti argame keessaa isa walitti sassaabame hundumaa mandaroota keessatti galche midhaan inni mandara tokkotti galche isa maasii naannoo isaa jiru irraa walitti sassaabamee ture. ⁴⁹Yoseef midhaan akka cirracha galaana guddaa baay’atu ni tuule; safaruun isaa waan hin danda’amneef, isa safaruu dhiise.

41:46 “nama waggaa soddomaa ture” Kun kallattiidhaan” Nama waggaa soddomaa, “ ti, innis jechama (lew. 27:5; II Moot. 8:26; Erm. 52:1).

41:47-49 Hiikni Yoseef abjuu sanaaf kenne sirrii ture. Quufni sun karaa hedduudhaan dubbatameera.

1. Quufa waggaa torbaa, lakk. 47
2. Lafti midhaan baay’ee irraa hafa kennite, lakk. 47
3. Midhaanichas walitti sassaabe, Lakk. 47, 47
4. Akka cirracha galaanaa, Lakk. 49

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:41:50-52

⁵⁰ Waggoonni beelaa utuu in dhufin dura Yoseef ilmaan lama godhate; isaanis Asenaat intala Phoxii-Feraa luba On sanatu da'eef. ⁵¹ Yommus Yoseef, "Waaqayyo rakkina koo hundumaa, mana abbaa koo hundumaas na irraanfachiiseera" jedhee, ilma isaa isa angafa Minaaseetti moggaa{"Minaasee" jechuun "irraanfachuu" jechuudha}; ⁵² isa lammaffaa immoo"Waaqayyo biyya ani itti gad deebi'e keessatti akkan hor godhe" jechuudhaan "Efreem" jedhee moggaa{Efreem" jechuun "Horuu" jechuu dha}.

41:52 "Minaasee" maqaan kun (BDB 586) gochima braayisxii "Irraanfachuu" isa jedhu waliin (BDB 674, KB 728, *Piel* PARTICIPLE) sagaleedhaan wal fakkaata. Kun keessumatti miidhaa obbolootni isaa irraan ga'an waliin kan wal simuu dha. Dhugaan seera uumamaa keessatti gara booda kanaatti mul'atu Yoseef hamminaan isa irratti ka'udhaan isa ganuu isaanii tasumaa akka hin fudhatinii dha.

41:52 "Efreem" maqaan kun (BDB 68) akka itti fayyadama jechaa isa beekamaatti "Ija godhachuu" yookaan "Ija dachaa" (BDB 826, 49:22) kanneen jedhan waliin kan wal simuu dha. Yoo qalbifatan kan nama ajaa'ibu, Israa'el bara kanaa keessatti, nama Yihudii ta'uun yoo haati Yihudii taatee dha. Akkaataa qabatamaa ta'een, ijoolleen kun lamaan dhugaatti Yihudii miti! Isaan booda qom-lamee ta'u, Kunis dacha ga'aa Yoseef kan dhaalan, akksumas qomoo Israa'el keessaa garee gosoota kudha lamaanii ta'u (jechuunis, Kudha sadii). Leewwiin dhimma dhaalaa irratti, akka gosaatti hin lakkaa'amu (Iyaasuu).

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:41:53-57

⁵³Waggoonni biyyi Gibxi quufa itta argattee turte turban ni raawwataman; ⁵⁴akkuma Yoseef dubbatee ture waggoonni beelaa torban dhufuu jalqaban; biyya kan biraa hundumaatti beelli ni bu'e, guutummaa biyya Gibxi keessa garuu nyaatni ni jira ture. ⁵⁵ Ergasii guutummaan biyya Gibxii beela'uu jalqabnaan, sabni nyaataaf mootii Gibxitti iyyate; mootichi immoo warra Gibxi hundumaan, "Gara Yoseef dhaqaatiiwaan inni isiniin jedhu godhaa!" jedhe. ⁵⁶ Beelli jabaatee guutummaa biyya Gibxii irra yeroo ga'etti, Yoseef gombisaa hundumaa bane, warra Gibxitti midhaan ni gurgure. ⁵⁷Beelichi biyya lafaa hundumaa irratti waan jabaateef namoonni biyya hundumaatii midhan bitachuudhaaf Yoseef bira gara biyya Gibxi ni dhufan.

41:53-57 Kun akka seenaatti Faraa'on attam godheen biyya Gibxi akka bite kan argisiisuu dha (47:20-26). Warri Gibxi midhaan bituudhaa fi ofii isaanis ta'e maatii isaanii nyaachisuudhaaf, lafa isaanii yookaan araddaa isaanii mootichatti gurguran. Yaadamuu kan qabu beelli sun, Gibxiin oolchuudhaaf, kufaatii amantii Gibxi kan argisiisuu dha, Waaqayyo gooftaan garuu danda'eera!

41:56

NASB, NKJV,

NRSV, NET,

VULGATE "Gombisaa hundumaa"

NJB, LXX,

NREB "Gombisaa hundumaa"

JPSOA "Kan walitti qabaman hundi"

Barreeffamni Warra Ibrootaa JPSOA irratti ksallattiidhaan hiikee jira. Innis kan argisiisu

1. Bakka Yoseef midhaanicha itti walitti qabe hunda
2. Bakka warri Gibxi midhaan bitatan hunda

41:57 Lakkoobsi kun beelaa fi gogiinsa jabaa dha, Innis walumaa galatti biyya Bahaa dhiyoo fi naannoo Mediteraniyaa (galaan guddicha) kan argisiisuu dha. Sabni hedduun midhaan bittachuudhaaf gara Gibxi dhufaniiru. Yoseef kan oolche

1. Gibxi
2. Qomoo saba naannoo sana jiran hunda

3. Keessumatti immoo maatii Yaqoob isa fo'amee!
4. Sooruun Waaqayyoo sadarkaa garaa garaatti hojjeteera!

“Biyya hunda” isa jedhu jecha harboomsuu kan qalbiofadhu. Kunis Uuma 6-7 keessatti dhimma kan itti ba'ame wal in wal cinee dh, waa'ee bakka lolaan sun gahee (7:19 צרצ, *eres* BDB 75).

Gaaffiiwwam mree

Kun qajeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan.

1. Boqonnaa kana keessatti jechoota ergisaa Gibxi caqasi, akkasumas shaakala addaa warra Gibxi.
2. Xibaartotaa fi gocha biyya Baha dhiyoo ishee durii ibsi
3. Akkaataa taayitaan Yoseef inni haaraan mul'ate, kanneen lakk. 41-44 jiran hunda barreessi.
4. Hiikni maqaa ilmaan Yoseef maalii dha, fayidaan isaas maalii dha (Lakk. 50-52)?

SEERA UUMAMAA 42

HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

NASB	NKJV	NRSV	NET	NJB (follows MT)
Obbolloonni Yoseef gara Gibxiitti ergaman	Obbolloonni Yoseef gara Gibxii dhaqan	Bara beelaatti Obbolloonni Yoseef gara Gibxiitti deemuu	Obbolloonni Yoseef Nyaata bitachuuf gara Gibxiitti ergaman	Yoseef fi obbolloota isaa walquunnamuu isa jalqabaa
42:1-5	42:1-5	42:1-5	42:1-4	42:1-4
42:6-7	42:6-17	42:6-17	42:5-7a 42:7b	42:5-7
42:8-17			42:8-9 42:10-11 42:12 42:13	42:8-17
42:18-25	42:18-24	42:18-25	42:14-17 42:18-20a 42:20b-21 42:22-24	42:18-24
42:26-28	Obbolloonni gara Kana' aanitti deebi'an		Obbolloonni Yoseef gara Kana' aanitti deebi'an	Ilmaan Yaaqoob gara Kana' aanitti deebi'an
Simo'oon akka qabdiitti qabame.	42:25-28	42:26-28		
42:29-34		42:29-34	42:25-28	42:25-28
42:35-38	42:29-34 42:35-38	42:35-38	42:29-34 42:35-36 42:37 42:38	42:29-34 42:35-36 42:37-38

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula xxiv irraa ilaali)

SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni

Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

QO'ANNA JECHAA FI GAALLEE

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:42:1-5

¹Yaaqoob yommuu biyya Gibxii midhaan akka jiru baree ilmaan isaatiin, “Maaliif callumma jettanii wal ilaaltuu? ² Biyya Gibxi midhaan akka jiru dhaga’eera, nuyi du’a akka olluuf, gad bu’aatii achii midhaan nuuf bitaa!” jedhe. ³Obbolloonni Yoseef kudhan ta’anii, midhaan bituudhaaf gara biyya Gibxiitti gad bu’an. ⁴ Yaaqoob wanti hamaan akka isa irra hin geenyeef jedhee, Beniyaamiin obboleessa Yoseef obboluta isaa warra kaanii wajjin hin ergine. ⁵ Biyya Kana’aan keessa beelli waan tureef, ijoolleen Israa’el warri midhaan bituu dhaqan sana keessa turan.

42:1 “Yaaqoob yommuu biyya Gibxii midhaan akka jiru baree” “baree” gochim jedhi lakk. 1 irratti yeroo lama itti dhimma ba’ame.

1. “Yaaqoob ni bare, “BDB 906, KB 1157, *Qal* IMPERFECT
2. “Maaliif wal ilaaltu, “*Hithpael* IMPERFECT

Jechumti kana fakkaatu Faraa’oni itti dhimma ba’ameera (41:19, 22, 28) akkasumas Faraa’oni nama ogeessa akka barbaaduuf, Yoseefiin itti dhimma ba’ameera (41:33). Gochim lakk. 1 irratti itti dhimma ba’ame boqonnaa kana keessatti hedduminaan itti dhimma ba’ameera (jechuunis, Lakk. 1 [u-yeroo lama], 7, 9, 12, 21, 27, 35). Raashiin akka jedhutti, inni mul’ata waaqa irra akka qabuu dha, warren Kana’aan turan biroon Faraa’oni irraa midhaan akka bitanii dha (47:14).

42:2 Yaaqoob gara Gibxi akka dhaqanif ilmaan isaa ajajeera (jechuunis, “Jireenyatti jiraadhau hin duutu”) maatiin isaa jireenyatti akka jiraataniif.

1. Gara sanatti gad bu’aa, BDB 432, KB 434, *Qal* IMPERATIVE
2. Midhaan nuuf bitaa, BDB 991, KB 1404, *Qal* IMPERATIVE
3. Jireenyatti akka jiraatnuuf BDB 310, KB 309, *Qal* IMPERFECT bifa dabalataan kan gale. Beelli sun jabaataa fi hamaa ture!

42:3-4 Yaaqoob amma iyyuu obboluta isaa hin amanne. Du’a Yoseefiif shoora ta’e qabaachuu ni danda’u waan ta’eef isaan hin amanne, mucaa Raahel isa tokkicha irratti, gochi wal fakkaataan akka hin raawwatne.

42:4 “wanti hamaan akka isa irra hin geenyeef” “hamaa” (“miidhaa”) jechi jedhu (BDB 62) kan yeroo darbe darbee ti (44:29; Ba’u. 21:22, 23) kan inni argisiisus balaa jireenya miidhuu dha. Waa’ee mucaa tokkittii, jaallatu sanaaf sodaan isa qabateera (Beniyaamiin, obboleessa Yoseef isa xiqqaa). Yaaqoob, geggeessaa maatii ta’a jedhee osoo yaade nama dinquu danda’a.

Gochim kun (BDB 896, II KB 1131m *Qal* PERFECT) kan itti dhimma ba'ame akkaataa ta'uun miti, asii fi Lew. 10:19; Kes. 31:29; Iyo 4:14; Isay. 51:19; Erm. 13:22; 44:23, yeroo hedduu kan hiikamu "Akka isa hin argatne" isa jedhuu dhaan.

42:5 "ijoolleen Israa'el warri midhaan bituu dhaqan sana keessa turan" Yaaqoob maaliif ijoollee iss akka erge nama dinquu danda'a (Dursa nageenya maatii isaatiif jedhee maatii isaa adda addaan qoodde ture, 32:22-32). Sababii kun ta'uu danda'uufis (1) Adda addi isaanii midhaan hanga isaan ga'u bituu wann danda'aniif yookaan (2) Baay'atanii adeemuun isaanii nageenya isaaniitiif waan fayyadauuf.

■ "Biyya Kana'aan keessa beelli waan tureef" Seenaa irraa akka hubatnutti beelli yeroo sanaa ture kutaa biyya sanaa balleessee ture. Innis kan ta'uu danda'eef (1) Yeroo barbaachisaatti rooba yeroo waan dhabaniif; (2) Amma barbaachisuu ol ta'uu bokkaa yookaan qorra; (3) Ilbiisota; yookaan (4) Waagii midhaanii, biqilaa midhaan balleessuu danda'an. Kana'aan oomishaaf marsaa waggaa irratti hundaa'a ture, Gibxi garuu lagga Abbayyaa irratti hirkata ture (jechuunis, lolaa isaa).

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:42:6-7

⁶ Biyya Gibxi hundumaa inni bulchu, namoota biyya hundumaattis inni midhaan gurguru Yoseef ture; obbollooni Yoseefis dhufanii isa duratti dhiyaatanii, hamma mataan isaanii lafa ga'utti ni qommaa'aniif. ⁷ Yoseef yommuu isaan arge, obbolloota isaa akka ta'an ni bare; garuu akka nama isaan hin beekneetti afaan jabaa isaanitti dubbatte; itti fufees, "Isin eessaa dhuftan?" jedhe; isaan immoo deebisanii, "Nuyi midhaan bitachuudhaaf biya Kana'anii dhufne" jedhan.

42:6 "obbollooni Yoseefis dhufanii isa duratti dhiyaatanii, hamma mataan isaanii lafa ga'utti ni qommaa'aniif" lakkoobsi kun abjuu Yoseef isa, Uuma. 37:6-9 irra jiru qofa raawwachuuf miti, garuu immoo isa 43:28 irra jirus malee; akkasumas 44:14 irra isa jiru.

42:7 "ni bare" "ni hubate" "ni bare" gochim jedhu (BDB 647, KB 699) yeroo lama itti dhimma ba'ame, lakk. 7 irraa (*Hiphil* IMPERFECT, *Hithpael* IMPERFECT) fi lakk. 8 irra (*Hiphil* IMPERFECT, *Hiphil* PERFECT). Isaan ammas areeda isaanii dheereffachuudhaan akka warra tikfatee bulaatti uffatanii jiru. Karaa biraatiin immoo Yoseef areeda isaa addateera, akka abbaa taayitaattis uffatee jira, Kanaaf kan isaan haasofsiisaa jiru nama Gibxii ti. Wantootni kun hundinuu obbollootni isaa akka isa hin barreef isa gargaareera.

■ "obbolloota isaa akka ta'an ni bare ... akka nama isaan hin beeknee isaanitti ta'e" gochimni kun lamaanuu hundee wal fakkaataa : נכנ irraati kan isaan dhufan,

1. Ni bare, (BDB 647, KB 669), hiiifilii raawwatame, 27:23; 37:33; 38:25, 26; 42:7, 8 (yeroo lama); Kes. 33:9
2. Isaanitti geddarama (kallattiidhaan, "akka nama isaan hin beeknee isaanitti ta'e"), BDB 649, KB 699, *Hithpael* IMPERFECT 1 Moot. 14:5, 6, hundeen jecha Warra Ibrootaa adda adda ta'e lama jiraachuu isaanii yookaan itti fayyadamni lama jiraachuu isaa wanti qabatamaan hin jiru.

■

NASB, NRSV,

NET, NJB

NKJV

LXX

AB

"Hammeenyaan"

"Dheekkamsaan"

"Jecha hamaadhaan"

"Hammeenyaan"

Ibsi kun (BDB 904) hiikni isaa "Dheekkamsaan, " yookaan "Hammeenyaan" isa jedhuu dha. Innis maalummaa Nohi ibsuudhaaf, 1Saam. 25:3 irrattiitti dhimma ba'ameera. Asi keessatti kan inni argisiisu akkaataa Yoseef itti dubbatee dha (1Saam. 20:10), akkasumas qabiyyee komee inni isaan komatee dha (Jechuunis, isin gaaddota jechuudhaan).

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:42:8-17

⁸ Yoseef illee obbolloota isaa bareera, isaan garuu isa hin barre. ⁹ Yoseef abjuu isa waa'ee isaaniif abjootee ture yaadatee isaaniin, "isin gaadduudha, biyyichi banamaa ta'uu isaa ilaaluudhaaf dhuftan"

jedhe. ¹⁰ Isaan immoo, “Lakkii yaa gooftaa, nuyi garboonni kee midhaan bituu dhufnee; ¹¹ nuyi hundumti keenya ilmaan abbaa tokkooti; nuyi garboonni kee namoota amanamoodha malee, gaadduu miti” jedhan. ¹² Inni immoo isaaniin, “Lakkii! Biyyichi banamaa ta’uu isaa ilaaluudhaaf dhuftan” jedhe. ¹³ Isaanis deebisanii, “Nuyi garboonni kee obbolaan kudha lamaanuu ilmaan nama biyya Kana’aan tokkoo ti. Ilaa! Obboleessi keenya inni quxusuun amma abbaa keenya bira jira, inni tokko immoo hin jiru” jedhan. ¹⁴ Yoseef immoo isaaniin, “Eгаа akkuman isinitti dhubbadhe ta’e; isin gaadduu dha! ¹⁵ Isin amma kanaan qoramtanii ni ilaalamtu; obboleessi keessan inni quxisuun amma as dhufutti, mootiin haa du’u, asii hin baatan! ¹⁶ Eгаа of keessaa nama tokko ergaa, inni dhaqee obboleessa keessan haa fidu! Isin immoo wanti isin dubbattan dhugaa ta’uun isaa qoramee amma ilaalamutti ni hidhamtu; dubbiin keessan soba yoo ta’e garuu, mootiin haa du’u isin gaadduu dha” jedhe. ¹⁷ Hundumti isaanii iddoo tokkotti guyyaa sadiif akka eegaman godhe.

42:9 “Yoseef abjuu isa waa’ee isaaniif abjootee ture yaadatee” kun boqonnaa 37 kan argisiisuu dha. Yoseef mucaa isaa isa jalqabaa Minaasee jedhee moggaaseera (“na irraanfachiise”), garuu immoo yaadannoon waa’een isa ganuu obbolaa isaatii baay’ee jabaataa dhufe.

▣ “**isin gaadduudha**” warri Raabii kan jedhan magaalichatti seensa garaa garaan akka ol seenaniif Yaaqoob ilmaan isaatti himee ture, Yoseefis kana waan hubateef, isin gaadduusha jedhee komachuu danda’e (BDB 920, BDB 920, KB 1183, *Piel* PARTICIPLE, Iya. 2:1; 6:22-23; I Saam. 26:4). Kana kan nni godheef yaada garaa isaanii fi amala isaanii baruudhaaf jedhee ti.

▣

NASB	“Hin mo’amu jechuu biyyattii”
NKJV, NRSV,	
JPSOA	“Duwwaa ta’uu biyyattii”
NET	“Dadhabina biyyattii”
NJB	“Bakka dadhabii biyyattii”
LXX	“Mallattooleebiyattii (Jechuunis, waan irra seenamu hunda qorachuudhaa)”
NREB	“Bakka hir’ina humna ittisa keenyaa”

Jechichi (BDB 788) kallattiidhaan” duwwaa ta’uu” (9:22-23) yookaan “Banaa” jechuu dha. Asi keessatti seensi isaa (haala galumsa yaada waliigala barreeffamchaatiin murtaa’a) inni kun kutaa biyya Gibxi isa dahaannoo fi waardiyyaa hin qabne kan mul’isuu dha. Innis ilmaan Yaaqoob qoree ilaaluudhaaf komee Yoseef sobee dubbatee dha.

42:11 “nuyi namoota amanamoodha” “amanamoodha” (BDB 467 II, 42:11, 19, 31, 34) kan itti dhimma ba’ame, wanta duraan Yoseef irratti raawwatan dhoksuu dhaaf. Kan isaan mulatan, akka nama dhugaatti, akka nama sirriitti, garuu immoo gochi isaanii karaa hamaa ture (Uumaጥረጎ 34, 37).

42:13 “Nuyi garboonni kee obbolaan kudha lamaanuu ilmaan nama biyya Kana’aan tokkoo ti. Ilaa! Obboleessi keenya inni quxusuun amma abbaa keenya bira jira, inni tokko immoo hin jiru” Gaaleen xumuraa sirriitti Yoseefiin kan argisiisuu dha. Innis dhokataa dha, kana kan isaan dubbachaa jiran isa bira dhaabatanii ti, eenyummaa isaa utuu hin hubatin.

42:15 “mootiin haa du’u” xiinxalootni hedduun Yoseef kaka kana yeroo lama dubbachuu isaaf isa qeequ. Ofii isaa jijjiiruudhaaf isaaf mijata! Kana kan inni gargaarame akka sagalee Waaqayyootti akka hin taane ifaa dha. Ta’ee iyyuu, akka aadaa warra Gibxitti kan inni argisiisu, Faraa’on mucaa Rii waaqa-tolfamaa ta’uu isaa ti. Kakaan kun siidaa warra Gibxi irra ni jira.

42:16 Yoseef ajajaa fi gaaffilee hedduu dhiyeesseera.

1. Namni tokko isin keessaa haa dhaqu, BDB 1018, KB 1511, *QAL* IMPERATIVE
2. Inni dhaqee obboleessa keessan haa fidu, BDB 542, KB 534, *Qal* IMPERFECT kan hin raawwatamin, bifa xiyyaaffannaatiin gan gale
3. Isin ni hidhamtu, BDB 63, KB 75, *Niphal* IMPERATIVE
4. Asaan keessan akka qoratamutti BDB 103, KB 119, *Niphal* IMPERFECT kan hin raawwatamin, bifa xiyyaaffannaatiin gan gale

42:17 “Hundumti isaanii iddoo tokkotti guyyaa sadiif akka eegaman godhe” Yoseef kan inni barbaade, sababii isaaniif rakkoo isa irra ga’ee ture keessaa hanga tokko akka dhannamaniifii dha.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:42:18-25

¹⁸ Guyyaa sadaffaatis Yoseef isaaniin, “Ani Waaqayyoon nan sodaadha, jireenya keessan oolfachudhaaf wanta an isinitti himu godhaa!” ¹⁹ Erga namoota amanamoo taatanii, obboleessi keessan tokko mana amma isin itti eegamtan kanatti haa hidhamu, isin immoo maatii keessan warra manaa beel’aa jiraniif midhaan fuudhaa dhaqaa! ²⁰ Obboleessa keessan isa quxisuu na bira fidaa! Kanaan wanti isin dubbattan dhugaa ta’uun isaa ni beekama, isinis du’a ni ooltu” jedhe; isaanis akkuma inni isaanitti hime ni godhan. ²¹ Walii isaaniitiin immoo, “Nuyi dhuguma obboleessa keenyatti balleessineera; lubbuun isaas keessatti dhiphachuu isaa utuma arginuu, utuma inni nu kadhatu isa dhaga’uu didne; kanaaf dhiphinni kun nutti dhufe” jedhan. ²² Ruuben kana irratti isaaniin, “Ani, mucicha hin yakkinnaa! Isiniin hin jennee? Isin garuu dhaga’uu ni diddan; ammas kunoo dhiigni isaa nurra ni barbaadama” jedhe. ²³ Namni isaan gidduu dhaabbatee afaan hiiku waan tureef, Yoseef akka isaan dhaga’u isaan hin barre. ²⁴ Yommus Yoseef isaan irraa achi galagalee ni boo’e; deebi’ees isaanitti galagalee isaanitti ni dubbate; isaan keessaas Shimi’ooniin qabsiisee ija isaanii duratti ni hiisise. ²⁵ Yoseef kana booddee qalqala isaanii midhaan guutanii, horii isaaniis deebisanii adduma addaan qalqala isaanii keesa akka ka’aniif, karaadhaafis gala akka kennaniif ni abboome; warri abboomamanis kana isaaniif ni godhan.

42:18-20 Ajajii fi gaaffiin Yoseef itti fufee jira.

1. Kana raawwadhaa, Lakk 18, BDB 793, KB 889, *Qal* IMPERATIVE
2. du’a ni ooltu, Lakk 18, BDB 310, KB 309, *Qal* IMPERATIVE
3. Obboleessi keessan inni quxusuun haa hidhamu, Lakk. 19, BDB 63, KB 75, *Niphal* IMPERFECT bifa cimsuutiin kan gale
4. Deemaa, Lakk. 19, BDB 229, KB 246, *Qal* IMPERATIVE
5. midhaan fuudhaa dhaqaa, Lakk. 19, BDB 97, KB 112, *Hiphil* IMPERATIVE
6. Obboleessa keessan isa quxisuu na bira fidaa, Lakk. 20, BDB 97, KB 112, *Hiphil* IMPERFECTThin raawwatamin bifa cimsuutiin kan gale
7. wanti isin dubbattan dhugaa ta’uun isaa ni beekama, Lakk. 20, BDB 52, KB 63, *Niphal* IMPERFECT raawwatamin bifa cimsuutiin kan gale

42:18 “Ani Waaqayyoon nan sodaadha” kakaan kun isa Yoseef maqa Faraa’oniin kakate waliin wal simuu ni danda’a (Lakk. 15, 16) yookaan walumaa galatti isaan kurnana kana komachuu waliin wal qabatee, Waaqayyoon sodaachuu isaa argisiisa. Yoseef karaa biraadhaan, kan inni cimsaa jiru, qajeelummaa fi nama hafuura ta’uu isaa ti (20:11). Inni dhuguma iyyuu Waaqayyo isa ol aanaa (*Elohim*) ni sodaata/ ni kabaja.

42:20 “Ni beekamaa” mata duree addaa 15:6 irra ilaali (II. a).

42:21 “Walii isaaniitiin immoo “Nuyi dhuguma obboleessa keenyatti balleessineera” Isaan, cubbuu Yoseef irratti hojjetaniif, Waaqayyo akka isaan adabaa jiru itti dhagaa’ameera. Kunis ifaa kan ta’u lakk. 21, 22, 28 fi 44:16. Wanuma facaafne galfatna yaada jedhu qaba (Iyo 34:11; Faar. 28:4; 62:12; Fakk. 24:12; Lall. . 12:14; Erm. 17:10; 32:19; Maat. 16:27; 25:31-46; Rom. 2:6; 14:12; I Qor. 3:8; II Qor. 5:10; Gal. 6:6-7; II Ximo. 4:14; I Phex. 1:17; Mula. 2:23; 20:12; 22:12). Ta’e iyyuu immoo dhugaan Macaafa Qulqulluu tokko ni jira, innis Waaqayyo akka balleessaa keenyaatti nutty hin faradu (Faar. 103:10). Balleessaa keenya hundaaf adaba yeroo fudhachuu dhiisuu ni dandeenya, yookaan yeroo hundumti keenya duunu akkaataa Waaqayyo itti kana godhu ni jiraata.

42:22 “Ruuben kana irratti isaaniin, “Ani, mucicha hin yakkinnaa! Isiniin hin jennee? Isin garuu dhaga’uu ni diddan” Tarii kun Ruubeen isaaf akka falme kan argisiisu, Yoseef yeroo jalqabaatiif dhaga’uu isaa ta’uu ni danda’a (Uuma. 37:22-24). Amma obbolaawwan kun, dhiigni Yoseef inni qulqulluun ija ba’iinsaaf iyyaa akka jiru, akkuma Uuma. 4 keessatti dhiigni Abeel obboleessa isaatti iyee ture.

42:23 “Namni isaan gidduu dhaabbatee afaan hiiku waan tureef, Yoseef akka isaan dhaga’u isaan hin barre” Isan kan isaan dubbatan afaan Ibraayisxi qofa ture; Yoseefis karaa nama afaan isaaniif hiikuu afaan Gibxi

qofa dubbata ture. Kun immoo jal’inna obbolaan isaa isa irratti raawwataniif, jijjiramuu isaa ture, kunis waggaa digdama dura yakka isa irratti raawwachuu isaanii, hanga isaan sirriitti hubatanitti ture.

Jechi Warra Ibrootaa kun kan hiikame “nama afaan hiikutu ture” (BDB 539, KB 529, *Hiphil* PARTICIPLE yeroo mara kan inni argisiisu qoosuu yookaan baacoo dha. Hundee *Hiphil* ga’isuu argisiisa

1. Abbo. Iyo 16:20; Faar. 119:51
2. Namnia afaan hiiku, asitti bakka ofii bu’ee kan dubbatuu dha, 2 Seen. 32:31

Akka fayyadama jecha kanaatti, Kakuu Moofaa keessatti bifa gaarii hin taaneen mul’ata (NIDOTTE, jildii 2, Fuula 799).

42:24 “ni boo’e” Yoseef sirriimatti nama gara laafessa ta’ee dha (43:30; 45:14, 15).

■ **“Shimi’ooniin qabsiisee ija isaanii duratti ni hiisise”** Ruubee, inni angafti, garee sana gan geggeessu waan ta’eef, Yoseefiin oolchuuf yaalii taasisee ture, kanaaf filannoon jiru Shimi’oon ture. Lammaffaa irratti kan dhalate isa ture, beektotni hedduun akka jedhanitti yeroo namoota Sheekem fixe (Uuma. 34), aarii guddaatu fuula isaa irraa mul’ata ture, tarii Yoseefiin miidhuudhaaf jalqaba yaadicha kan fide isa ta’uu danda’a.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:42:26-28

²⁶ Obbolaan Yoseef midhaan isaanii harree isaaniitti fe’atanii achii ni adeeman. ²⁷ Lafa bulanitti isaan keessaa inni tokko harree isaatiif nyaata kennuudhaaf qalqala isaa hiikee, kunoo, horii ittiin miidhaan bite afaan qalqala isaa keessatti ni arge. ²⁸ Inni obboloota isaatiin, “Horiin koo anaaf deebi’eera; ilaa, inni qalqala keesa jira” jedhe; kana irratti garaan isaanii baqaqee, hoollachaas walii isaaniitiin, “Wanti Waaqayyo nutti fide kun maalii?” jedhan.

42:25-29 obbolloonni isaa warri hafan salgan sodaataniiru, hiikamuun Shimii’on rakkoo akka hin taaneef. Sadarkaan soda isaani kan ibsamu

1. garaan isaanii baqaqee, Lakk. 28 (kallattiidhaan, “garaan isaanii isaan keessaa bade”), BDB 422, KB 425, kan hin raawwatamin
2. hoollachaas walii isaaniitiin.... jedhan, Lakk. 28, BDB 353, KB 350, *Qal* IMPERFECT 27:33; I Saam. 16:4; 21:1; I Moot. 1:49

42:27 “qalqala” Kutaa kana keessatti “qalqala” isa jedhu hiikuudhaaf, jechoota Warra Ibrootaa adda adda ta’an lamatu jiru.

1. “qalqala” (BDB 974), innis”jecha beekamaa dha (asitti akka dhimma itti ba’ame)
2. “qalqala” (BDB 607), kan inni argamus asi keessa qofaatti yeroo ta’u, kunis seenaa Yoseefii fi obbolaa isaatiif. Innis qodaa midhaan itti guutamee dha.

Itti fayyadama jechoota kana lamaaniiif deebii ta’uu kan danda’u, inni jalqabaa qodaa qarshii itti baatanii dha NIDOTTE jildii 3, Fuula 843) akkasuma inni biraan immoo qalqala (qodaa) midhaan itti baatamuu dha (James W. Freeman, *Manners and Customs of the Bible*, Fuula 49).

42:28 “Wanti Waaqayyo nutti fide kun maalii” Isaan amma iyyuu daba (yakka) Yoseef irratti raawwataniit turaniif, yakka ta’uun isaa isaanitti dhaga’amaa jira.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:42:29-34

²⁹ Yommu isaan biyya Kana’aan Yaaqoob abbaa isaanii bira dhufanii, wanta isaan irra ga’e hundumaa isatti ni himan. ³⁰ Isaan, “Namichi inni biyya sana irratti gooftummaa qabu, warra biyya gaadan nu se’ee, afaan jabaa nutti dubbate. ³¹ Nuyi garuu, ‘nuyi namoota amanamodha malee gaadduu miti, ³² Nuyi obbolaan kudha-lama ilmaan abbaa tokkoo ti; kudha lama keessaa inni tokko hin jiru, inni quxisuun immoo amma abbaa keenya bira biyya Kana’aan jira’ ittiin jenne. ³³ Namichi inni biyya sana irratti gooftummaa qabu sun immoo, ‘amanamoo ta’uu keessan akkan ittiin beekutti, obbleesa keessan tokko ana biratti ambisaatii, ‘isin maatii keessan warra mana beela’aa jiraniif midhaan fuudhaa dhaqaa! ³⁴ Obboleessa keessan isa quxisuu ana bira fidaa! Ani kan irratti isin namoota amanamoo malee, gaadduu

akka hin ta'innan beekaa; obboleessa keessan isa asitti hafes gad isiniif nan dhiisaa, isinis biyyicha keessa asii fi achi adeemtanii ni nagadduu' nuun jedhe" jedhan.

42:29-34 Salganuun isaanii (obbolootni kun) biyya Gibxitti waan isaan irra ga'e, abbaa isaanii Yaaqoobitti himan.

42:34 "isinis biyyicha keessa asii fi achi adeemtanii ni nagadduu" Gochim kun (BDB 695, KB 749, kan hin raawwatamin) "Daldala" isa jedhamutti hiikameera (Uuma. 23:16), garuu yaadni hiika isa Uuma. 34:10 irra jiruu immoo "akka garaa isaaniitti walabummadhaan biyyicha keessa deddeebi'uu" dha. Innis argisiisuu kan barbaade, midhaan dabalataan yoo kan isaan barbaachisu ta'ellee, biyya Gibxitti deebi'uu akka danda'anii dha (43:2).

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:42:35-38

³⁵ Isaan qalqala isaanii keessaa yommuu galagalchan immoo kunoo, horiin isaanii adduma addaan akka gudunfametti qalqala tokkoo tokkoo isaa keessatti argame; isaan, abbaan isaaniis horii isaanii akka gudunfametti yommuu argan ni na'an. ³⁶ Kana irratti Yaaqoob abbaan isaanii, "Ijoollee malee na hambifan, Yoseef hin jiru, Shimi'oon hin jiru, Beniyaamin immoo fudhachuuf jettu; kun hundinuu anuma irratti ni raawwatame" isaaniin jedhe. ³⁷ Ruunen yommuu abbaa isaatiin, "Ani mucicha gara keetti yoon fiduu dhaabaadhe, ati ilmaan koo lamaan ajjeesuu ni dandeessa; harka isaa qabii anatti keenni, anis harka keetti isa nan deebisa" jedhe. ³⁸ Yaaqoob garuu, "Ilmi koo isinii wajjin gad hin bu'u, obboleesi isaa du'eera, tokkicha kana duwwaatu hafe; karaa isin irra adeemtan irratti wanti hamaan yoo isa irra ga'e, dulluma koo keessa gaddaan gara iddoo lafa jalaatti akkan gad bu'u ni gootu" jedhe.

42:35-38 Maatiin isaa waa'ee haalicha maal gochuu akka qabu, ni mariyate. Maal gochuun akka ta'u yeroodhaaf hin murteessine.

42:35 garaagarummaan lakk. 27 fi lakk. 35 gidduu jiru, lakk. 27 irratti isaan keessaa "tokko" akkasumas lakk. 35 irratti "iIsaan" ta'uu isaa ti. Kun jecha dacha osoo hin taane, rakkina jalqaba isaani sodaachise, jabeessuudhaaf jecha (Lakk. 28).

42:36 "Ijoollee malee na hambifan, Yoseef hin jiru, Shimi'oon hin jiru, Beniyaamin immoo fudhachuuf jettu; kun hundinuu anuma irratti ni raawwatame" Yaaqoob mudannoo isaa kana ceephoo dhuunfaatiif akka godhate hubadhu. Kunis haalli isaa komee fakkaata, innis baduu Yoseef keessa harki obbolaa isaatii akka jiru kan argisiisu.

42:37 "Ruunen yommuu abbaa isaatiin.... jedhe" Kun tasumaa yaada ta'u miti! Yaaqoob attamittiin baduu ijoollee isaatiif, ilmaan mucaa isaatii ajjeesa?! Kunis abbaa isaatiif mirkaneessuuf jecha, yaalii Ruuben ture, garuu faallaa isaatii kan raawwatame. Yaaqoob eegeera hanga (1) 43:8-9 hanga yaada Yihudaatti, akkasumas (2) Tasuma iyyuu nyaatni waan hin jirreef, dhuma irratti Beniyaamin akka isaan faana adeemuuf iyyameera.

42:38 "iddoo lafa jalaa" Kun jecha Kakuu Moofaa yeroo ta'u, iddoo warra du'aniitiif dhimma kan itti ba'amee dha. Hundeen amantii jireenyi du'a boodaa, Kakuu Moofaa keessatti akka waan da'oon aguugamee ti, garuu maatiin kun yeroo waliin turanittii jireenya du'a boodaa aakka isaan amanan ifaa dha.

Innis gaaddiddaa'aa kan ta'e, ejjennoo gamachuun keessa hin jirre kan qabu akka ture dhugaa dha, garuu ejjennoon keessa sammuu isaatii akkas hin ta'u. Kakuu Moofaa keessatti, jechi iddoo lafa jalaa jedhu kan hiikame "Hadaas" jecha jedhuttii dha. Walumaa galatti ilmaan namaa hundi gara bakka turtii warra du'anii kanaa ni dhaqu. Sababii kanaaf warri Raabii yeroo yaada kana ibsan kutaan warra qajeelotaa akka jiru, akkasumas kan cubbamootaas akka jiruu dha. Mata duree addaa 15:15 ilaali.

Gaaffiiwwan Maree

Kun qajeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa eebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan.

1. Yoseef eenyummaa isaa maaliif dhokse?
2. Yoseef maaliif obbolaa isaatti afaan jabaa itti dubbate, akkasumas akka gaadduutti isaan komate?
3. Boqonnaa kana keessaatti Yaaqoob waa'ee du'a Yoseef aakka shakku kan taasise maali dha?

SEERA UUMAMAA 43

HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

NASB	NKJV	NRSV	NET	NJB (follows MT)
Gara Gibxiitti deebi'uu	Biniyaamii Wajjin gara Gibxiitti deebi'uu	Adeemsa lammata Gibxiitti	GaraOboloonni Yoseef Biniyaamii wajjin gara Gibxiitti deebi'an	Ijoolleen Yaaqoob Biniyaamii Wajjin lammee dhufan
43:1-10	43:1-7	43:1-10	43:1-2 43:3-5 43:6 43:7 43:8-10	43:1-10
43:11-15	43:8-14	43:11-15	43:11-14	43:11-14
Yoseef Biniyaamiin arge	43:15-25			Yoseefii wajjin wal quunnamuu
43:16-25		43:16-25	43:15-17 43:18-22 43:23	43:15-17 43:18-23
43:26-34	43:26-34	43:26-34	43:23-27 43:28 43:29-34	43:24-25 43:26-34

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula xxiv irraa ilaali)

SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa

2. Keeyyata lammaffaa

3. Keyyata sadaffaa

4. kkk

QO'ANNOO JECHAA FI GAALLEE

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa 43:1-10

¹ Beelli ammayyuu biyyicha irratti jabaate ture. ² Midhaan isa biyyaa Gibxii fidaan sana erga nyaatani fixaani, abban isaani, “deebi’a dhaqaati miidhaan xinnooshee nuuf bitaa”jedhen. ³ Yihudaan garuu”namichii sun, obboolleessi keessan isini wajjiin yoo dhufuudha baate deebitani ija koo hin argitan jedhe cimse nu qiixaaxxateera. ⁴ Ati obboolleessa keenya nu wajjiin ergudhaaf qophoofteeta yoo ta’e gadii buune midhaan siif in binna. ⁵ Ati isa ergudhaaf in qophoofne yoo taate garu, namichii sun, obboolleessi keessaan isini wajjiin yoo dhuufudha baate deebitani ija koo hin argitan waan nuun jedheef nu’iis gadi hin buunu”iittin jedhe ⁶ Yemmmus Isira’eel”isiin maaliif akkas naamitaani? Obboolleessa kan bira akka qabdaniis maaliif namichaatti himtan?”jedhe. ⁷ isaan immoo deebisani “namichii cimsee waa’ee ofii keenyaa fi waa’ee maatii nu gaaffate abban keessan amma iyyuu jiraa? Obboolleessa kan bira qabduu? Nuun jedhe egaa wantii nu’ii isaatti himne deebii gaaffi isa kanaati nu’ii immoo innii obboolleessaa keessaan as fidaa akka nuun jedhuu karaa tokkoonlee beekuu dandeenyeeraree?”⁸ Yihuudaan kan irraatti Isira’eel abba isaatiin “nu’ii ofii keenyaa atii ijoolleen keenyaas jiraannee du’a akka ooluttii ati gurbichaa ana wajjiin ergii nuus achumaa kaane in adeemna. ⁹ Ani isaaf nan darba ati immoo ana harkaa isa barbaadu in dandeessa. Ani gara keetti deebise isa fuula kee duras yoon dhaabudha baadhe bara koo guutuu akkan sii yakkeetti nan hafa ¹⁰ Nuhii utuu amma yehonaatti lafa irra hin harkifane ta’e silaa yehoonaa si’a lamaa deebineera”.

43:2 Barreefamichi marsaa tokkooffaa midhaani dhufee yoom akka dhume wanta jedhu hin qabu, garuu Simi’oon hidhaa irra ture, Yaa’iqoob tarkaanfii tokkooyyuu osoo hin fudhatiin!

Yeroo midhaanichi dhumetti Yaa’iqoob tarkaanfii fudhate.

- 1) Deebi’ati deema, BDB 996, KB 1427, *Qal* IMPERATIVE
- 2) Nyaata xiqqoo nuuf bitaa, BDB 991, KB 1404, *Qal* IMPERATIVE

43:3 “Yihudaaniis akkana jedhe”seeneffama kana irraatti tuqaa kana irratti Yihuudaan mucaa faayidaa qabu ta’a. Faayidaan geggeesuma Roobel dadhabeera.

■ “Jecha jabaan of eegachisuu”kun kan cimsee qinda’ummaa kan yerooti (jechuun kan hin murtoofne kan xumuramee fi jechama hida wal-fakkaata kan ta’e, innis immoo lakk. 7 (lammaffaa) fi lakk. 20 irratti).

Jechaamichi (BDB 996, KB 1427, *Hiphil* PERFECT) hiiki isaas dhugaa baati kennuu (Bau19:21, Keessa deebi 32:46). Yookaan of-eegachisudha (Seera ba’u 21:29, Motoota isa dura 2:42, Nahimiyaa 13:15, 21).

■ “Fuula koo argitaa”kun Yoosee fi wajjiin kan inni qabu jecha dhokkataa ta’a (2^a Samu’eel 14:24). Inni gatii midhaanicha ta’ii jedhee godheera. Isaaniis osoo hin beeksisiin midhaan bituu hin danda’an (lakk. 5).

43:4-5 Yihudaan abba isaati ibsu itti fufeera, Yaa’iqoobiif/Isiraa’eelifiis.

- 1 Gara gajalaati gadi buuna, BDB 432, KB 434, *Qal* COHORTATIVE
- 2 Nyaata in bitanna, BDB 991, KB 1404, *Qal* COHORTATIVE

Kan Yihuudaa (fi obbolloota isaa) gocha kan murteessuu Yaa’iqoob Biniyaamin murtoo erguu irratti.

43:6 Yaa’iqoob isaan ceepha’eera, waa’ee maatiif ragaa heeddu laachuu isaatiif.

Yaa'iqoob jechama jabaa fayyadameera (BDB 949, KB 1269, *Hiphil* kan xumuramee). Hiikaa hundee qabeessa isaa hundee *Hiphil* “rakkoo geesisuudha” (Seera uumamaa 19:9 Bau5:22-23, Seera lakkoofsa 11:11, 20:15, Iyaasuu 24:20).

43:7 Obboolloti isaa of isaan irraa cimsaani ittisan.

- 1 Namichiis waa'ee mataa keenyaaf waa'ee maatii keenya adda baase nuu gaafate, BDB 981, KB 1371, *Qal* INFINITIVE, kan hin murtoofne kan xumuramee fi jechama xumurameedha, hidda wal-fakkaata
- 2 Akkam goone beekna. . . , BDB 339, KB 390, kan hin murtoofne kan xumuramnee fi jechama hin xumuramiin hidda wal-fakkaata
- 3 Innis akka nuun jedhuutti, “obboleessa keessan qabadhaa kottaa, “BDB 432, KB 434, *Hiphil* IMPERATIVE

43:8-10 Yihuuda (arfaffaadhaaf mucaa Liyaa isa dhumaatti 29:35) ammas obbolloowwaan gurguddoo salgaaniif dubbii harkaa fuudhee kan dubbatu ta'eera (44:14-34, 46:25-34).

1. Mucicha ana wajjiin ergii, BDB 1018, KB 1511, *Qal* IMPERATIVE
2. Ni kaana, BDB 877, KB 1086, *Qal* COHORTATIVE
3. Ni deemna, BDB 229, KB 246, *Qal* COHORTATIVE
4. Jireenyatti akka jirannuuf, BDB 310, KB 309, *Qal* IMPERFECT haala COHORTATIVE kan itti gargaarame.
5. Akka hin dune BDB 559, KB 562, *Qal* IMPERFECT haala COHORTATIVE kan itti gargaarame (42:2)

Yeroo daaboon itti nyaatamuutti sa'aati murtoon itti kennaamudha. Kan Yihudaa qabatamumaan isaa gara xuqichaatti (lakk. 10). Isaaniis daaboodhaaf jedhaani kan in deebine yoo ta'an, hundumtuu hin deemu Biniyaamii fi Yaa'iqoobiin dabalate. Qabatamumaan isaa cimaadha. Innis dabalataan nyaata gara Gibxii dirqamatti deemu qaba, kanaafiis nyaatti dabalata haalii dursuu Biniyaamiin argachuudha. Yihuuda ammas abba isaa amansiisuu in yaala lakk. 9 irraatti, innis jireenya booda amantaa qabuun murtoo irraatti kan inni qabudha.

43:9 “An waa'ee isaatiif nan liqeefadha”“nan liqeefadha”kan jedhuu jechii (BDB 786 II, KB 876, *Qal* IMPERFECT 44:32) boqonnaa kanaan boqonnaa 38 irraa wajjiin wal-qabata (lakk. 17). Yihudaan nama guddaa ta'uun isaa dabalaa jira (49:8-12).

Macaafa Qulqulluu Hiikaa Haaraa:43:11-15

¹¹ Yemmuus Isiraa'eel abbaan isaan “erga akkas ta'ee immoo wanta fo'ammoo biyyaa kanaatti argaman haphee dibata xinnoo ishee, dammaa xinnoo ishee, urgooftuu, qumbii, ija lawuuzii, ija meexiis korojoo keessaan keessa ka'aatti namichaaf harkaa fuudha geessaf. ¹² Horiin inni deebi'ee afaan qalqalaa keessani keessatti argamees tarii innii dagatamee ta'a isa deebisa geessaafi kanaaf horii harka lamaa fuudhaa dhaqaa. ¹³ Obboleessa keessaaniis fuudhaatti ka'aa deebi'a gara namicha sanaa dhaqaa. ¹⁴ Waaqayyoo inni hundumaa danda'uu namichaa sana o'a akka isinitti argisisuu obboleessa keessaan isa tokko Biniyaamiiniis akka gadi dhiisu isiniif haa godhu anni immoo ijoollee malee yoon hafees ijoollee male nan hafa jedhe. ¹⁵ Ergasii namoonni sun harka-fudhaa sana, horii harka lama, Beniyaaminis fudhanii, ka'anii gara biyya Gibxiitti gad bu'an; dhaqaniis fuulaYoseef dura in dhaabatan.

43:11-14 Yaa'iqoobi/Isiraa'eeli barbaachisa kan ta'e hubataniruu, kanaaf ijoollee dhiiraa warraa gurguddaa abboommu

1. Akkana godhaan lakk. 11, BDB 793, KB 889, *Qal* IMPERATIVE
2. Muraasa..., fudhadhaa, lakk. 11 BDB 542, KB 534, *Qal* IMPERATIVE
3. Namichaaf geessaafi lakk. 11 BDB 432, KB 434, *Hiphil* IMPERATIVE
4. Horii isaas dachaan deebisaafi, lakk. 12, BDB 542, KB 534, *Qal* IMPERATIVE
5. Horii isini deebi'ee deebisaa geessafi, lakk. 12, BDB 996, KB 1427, *Hiphil* xiyaafataa IMPERATIVE (kun isaa sadaffaafi afuraffaa jechama kana fayadamadha, galumsaa barreefama kana).

6. Obbolleessaa keessaan geessa, lakk. 13, BDB 542, KB 534, *Qal* IMPERATIVE
7. Ka'aa, lakk. 13, BDB 877, KB 1086, *Qal* IMPERATIVE
8. Gara namichaatti deebi'aa, lakk. 13, BDB 996, KB 1427, *Qal* IMPERATIVE
9. Inni hundumaa danda'uu Waaqayyoo nam sana duraatti haraaraa isiniif haa laatu, lakk. 14, BDB 678, KB 733, *Qal* 733, kan hin xumuramiin bifaa dhiibbaan kan gale (IMPERFECT).
10. Obbolleessa keessaan kan biraa isinii wajjiinniin haa gadidhiisu, lakk. 14, BDB 1018, KB 1511, *Piel* PERFECT, Pee'iil kan xumurame

43:11

NASB	“Kan galaatefamee oomisha lafichaa irraa”
NKJB	“Kan galateefamee sanyii lafichaa irraa”
NRSB	“kan filaatamee sanyii lafichaa irraa”
NET	“kan galateefamee oomisha lafichaa irraa”
NJB	“Oomisha filaatamaa biyyicha irraa”
NREB	“Biyyii keenya kan isheen oomishtuu oomisha filaatama ta'e”

Jechiichi (BDB 275 II) Kakuu Moofa irraatti fayadamaa irraa kan oolee iddoo kan qofatti. Hundeen wajjiin deemu kan biroon barreefama galumsa kana irraatii hiikii isaan fidaani “warri Gibxii nyaati isaan fudhatanidha”. NIDOTTE, keeyyata 1, fuula 119 kan jedhuu, inni kan wajjiin deemu “jabina irraa, “wajjiin, haa ta'uu malee inni galumsaa barreefama kanaafi hin simu.

Deemsa gaalaa dhaabaatatti fe'aamani goosoti adeeman tarreefami isaani jira (37:25). Yooseef oomishoota isaa sirriitti beeka, isaan kan keessaa tokkoo warra karaa deemaan wajjiin adeemuu isaatiin (akka garbatti) gara Gibxitti.

43:12

NASB, NET, NJB, LXX, JPSOA NKJB, NRSV	“dogogora” “dogogooruudhaan”
--	---------------------------------

Jechichii (BDB 993) bakka kan qofaattii kan inni argamu. Hojeedha kan jedhuu “dogogorsuu”yookaan “dogogoruudha”. Iyoob 12:16 irraatti innii kan hiikamee “dogogorsuu”kan jedhuun. NIDOTTE, keeyyata 4 fuula 44, kan jedhuu hojeedha kan argisiisuu “itti yaadamee kan godhamee gocha dogogoraa” (Lewwoota 4:13, Samuu'eel isaa duraa 26:21, Farfannaa 119:21, 118, Isqeel 45:20).

43:14 “Waaqayyoo hundumaa danda'uu nama sana duratti haraara isiniif haa laatu”isiniin kan ergee maqaa kakuutiin. Maqaan kun, *El Shaddai*, maqaan kun jalqaba fayadama irraa kan oolee Abrahiimiin (Seera uumamaa 17:1, 28:3, 35:11, 43:14, 48:3). Jechi *El*, jedhu ba'a dhihoo durii waligala maqaa Waaqayyooti innis “jabaa ta'u”hundee jecha irraa kan dhufee fakkaata. *Shaddai*, jechi jedhu ta'u kan Waaqayyoo harma Seet irratti, kanaaf innii kan argisiisuu “hundumaan gahaa kan ta'e”kan jedhudha. Innis Bau6:3 *El Shaddai*, jechi jedhu kan barraatame maqaa abbootatti Waaqayyoof.

43:15 Kenna baay'ee seera adda barraatameedha, haala waan sirrii ta'eef, wantootni tarreefame Kana'anottaaf kan barraatame Kana'aanoottaaf ta'uu dhiisuu danda'a. Akkasumaas ilaalamuu kan qabu haala warra Gibxitiin isaan garuu tokkoollee maatiif horii jireenyatti tursuuf hin danda'an. “Kan kennicha”kennaamuu (BDB 585) Yaahiqoob, Esaahuuf kan laatee wajjiin wal-fakkaatadha, seera uumamaa 32.

Macaafa Qulqulluu Hiikaa Haaraa:43:16-25

¹⁶ Yooseefis Biniyaamiin isaan biraatti yemmuu arge namicha isa hojii mana isa keessaa adeemsisuun “jarreen kana gara manatti geessi, isaan waareetti ana bira waan nyaataaniif, horii tokkoo qalitti nyaani akka qopha'uu godhi!”jedhe. ¹⁷ Namichiis akkuma Yooseef itti himee godhe, namoota sana gara mana Yoseefitti in geese. 18 Namooni sun garuu mana Yoseefitti waan geessamaniif sodaatani, “nu'uii sababii horii isa yeroo dura afaan qalqalaa keenya keessaatti argame sanaaf assitti olgalfamnee inni nu rukkuute

nuu mo'ee haroota keenya qabatee nuun immoo garboota isa nuu godhachuuf kana godha"jedhan. ¹⁹ Kanaaf isaan gara namichaa hojii mana Yooseef adeemsisuu sanatti dhiyaatani balbala manichaa duraatti isa wajjiin duddubatan. ²⁰ Isaan yemmuus "yaa goftaa koo nuyii si'aa dura midhaan bittachuudhaaf as gadi buune turee. ²¹ Iddoo buufatayeroo geenye nu'ii qalqalaa keenyaa hiikne adduma addaan horiin keenya guutamaatti afaan qalqalloo keessa akka turee argine amma isa deebifne fidneera. Horii kan biraas amma ittiin midhaan bittachuudhaaf fidne dhufneera, nama horichaa sana afaan qalqalloo keenya keessa kaa'e nuyi iyyuu hin beeknu"jedhan ²³ Innii immoo deebise "yaadni keessaan nagaa haa qabaatuu hin sodaatinaas Waaqayyoo keessaan Waaqayyoo isa kan abboota keessanitu badhadhumaa hin beekamne qalqalaa keessa isiniif kaa'e horiin keessaan sun na ga'eera"jedhe . kana boode Shimiyooniin gara isaanitti gadi baase. ²⁴ Namichii hojii mana isa keessaa adeemsisuu sun gara mana Yooseefitti ol galchee miila isaani akka dhiqaataniif bishaan kenneef. Haroota isaaniifiis nyaata kenneef ²⁵ Jarrii immoo achii budeena akka nyaatan waan dhaga'aniif harkaa fuudhaa yeroo inni waareetti galutti Yooseefiif dhiyeesuuf in qophefatan.

43:16 Yoseefiis Biniyaamiin ergaa ilaale boodaa haafera laaqaana qophesise.

1. Namoota kana gara manaatti ol naa galchaa, BDB 97, KB 112, *Hiphil* IMPERATIVE
2. Horii qalaa BDB 370, KB 368, *Qal* IMPERATIVE
3. Qopheessaa, BDB 465, KB 464, *Hiphil* IMPERATIVE

Warri Gibxii yeroo hundummaa kan nyaataan qurxummiidhaa fi alaatti kuduraa fi muduraa fi daabboo wajjiin. Horii guddaan kan qalamuu manaaf qophe adda qofaaf (James W. Freeman, *Manners and Customs of the Bible* fuula 50).

43:18 "Tarii yoo nutti malee yoo nutti ka'ee"kun kan hin barraatamnee darbee darbee jechaa dhokkatadha. Jechammchii (II, KB 193, *Hithpoel* INFINITIVE CONSTRUCT) hiikii isaa "irra dedeebisuu"yookaan "maruu"dha. Inniis kan argisisuu "tokkoo irraatti maruu miidhudha". Fayyaadamni adda ta'ee hundee kana irraatti 2a Samu'eel 20:12 innis kan argisiisuu tokkoon dhiigaa mataa satin maruudha.

■ **"Nuu ajjessuf"**jechamii kun (BDB 656, KB 709, *Hithpael* INFINITIVE CONSTRUCT), hundee jechaa waa'ee miidhaamutti fayyadama irra kan oolu (Iyaasuu 11:7, Iyoob15) yookaan harkaa dinaatti (humnan) keessaatti kuufudha (Abboota Firdii 15:18). Fayyaadami jechama kana, hundee kanaan adda ta'eedha barreefama kanaaf.

Obbollowwaan lamaan kun maaliif akka geessafamaan isaaniif hin galee, akkasumaas baay'ee sodataniru isaan kan yaadani kan walitti fakkaate jalqabatti dhuufaatti isaaniif qarxiiti isan keessaatti horii argaan wajjiinidha.

43:19 **"Gara mana Yooseefittii ajaajaan dhiyaataan"**namani kun akka ta'utti waan dubbaatee fakkaata dhugaan kun kan ta'ee karoora tarreefama Yooseef qofa mti, haa ta'uu malee amanantii Yooseef kan argisisuu Barumsaa Waaqayyummaati male. Tilmaama kooti Yooseef maatii isaa wajjiin waan hirmateef qaba akkaasumaas warra Gibxii wajjiin waligalaani wajjinis, waa'ee amantii dhuunfaa isaa kan Abirahaam Waaqa kakuu irraatti. Kan nama ajaa'ibsisuu ijjoollen Yaa'iiqoob lakk, 18 irraati haala aja'ibsisaa warra Gibxii keessaatti kan ta'ee baayee kan isaan yaadichisee, sidaa haala tifattee isaani rraa kana ka'ee tokkoollee horii isaani akka dura hin haatnedha. Kun dhugumaatti "namooti badiyyaa garra magaalaa guddaatti yeroo dhufaan" fakkeenya ta'udha.

43:20 **"Duraattii midhaan bittuudhaaf gadi buune turee"**gaalleen kun kan jabaate kan hin murtoofne kan xumuramee fi jechama xumuramee, fayyaadama hiddaa wal-fakkaatadha (BDB 432, KB434, lamaanuu hundee jechoota).

43:23 **"Nagaan isiiniif haa ta'uu"**jechamaa hin qabukan wal-qabateef maqaa Shaloom jedhu duwaadha. Innis na inni aargisiisuu xiyyaafatadha.

■ "in sodaatina"goochamni kun BDB 431, KB 432) kan itti gargaaramae haala *Qal* IMPERFECT JUSSIVE jedhuun

Macaafa Qulqulluu Hiikaa Haaraa:43:26-34

26 Macaafa Qulqulluu Hiikaa Haaraa:43:26-3426 Yeroo Yooseef manatti galeetti jarrii harka fuudha isaa mana keessa of abira qaban sana isaaf dhiyeessaani amma lafa ga'anitti isaaf in qoma'aan. 27 Inni nagaan isaan gaafaate "abbaan keessaan jaarsichii inni isiin waa'ee isaa anatti himtan nagaadhaa? Inni lubbudhumaan jira?"28 Isaan immoo "garbichii kee abbaan keenya nagaadha fayyaadhaas "jedhaaniin hulfina isaattifiis baay'ee gadi gugufaan 29 Inni immoo ol ilaale obboolleessa isaa Biniyaamiin haadhoo isaa arge "obboolleessi keessaan inni quxisuun isiin waa'ee isa natti himtan isa kanaa?"jedhe mucichaan immoo, "Waaqayyoo arjummaa isa sitti haa argisisuu ilmakoo"jedhe 30 Yooseef yemmuus obboolleessa isaa argee obsuu waan dadhabeef harifatee gadi ba'ee lafa itti bo'uu barbaade kuta mana isaattiiti gale achitti bo'e. 31 Kana boodee fuula isa dhiqatee as ba'ee of qabudhaan "nyaatni haa dhiyaatu!"jedhe32 Isaaf qophaatti jaraafiis qophaatti dhiyeessaaniif warrii Gibxii Ibiroota wajjiin nyaachuun xuraa'umaa waan isaanitti fakkaatuuf Gibxoota warra Yooseef bira nyaataaniif qophaatti in dhiyeesaniif 33 Yemmuus jarrii inni angafni akka angafummaa isaatti inni quxusuun aakka quxusummaa isaatti fuule Yooseef tarreetti in ta'aan isaan dirqifatan wal ilaala 34 Yooseef maaddi isaa irraa addauma addaaf ga'aa isaa in kenniiseef ga'a Biniyaamiin garu ga'a warraa kaanitti harka shaan in nanaa'a turee isaan akkasitti Yooseefi wajjiin dhugaaniis isaanitti in o'e

43:27, 29 Yooseef waa'ee maatii isaanii gaaffoollee walitti aansee isaaniiif dhiyeessee. Isaaniis miira gad-fagoo abbaan isani dirqamaatti yaadachu qahu, dhoksaa kana mul'isuu isaanii wajjiin kan wal qqbatee (lakk. 6)

1. Abbaan keessan nagaadhaa? (jechamaa hin qabu, waa'ee Shaaloom 29:6 ilaali)
2. Inni jireenyaatti jiraahii? (jechamaa hin qabu)
3. Obboolleessi keessaan xiqqaan isaa kanahii? (jechamma hin qabu)

43:29 "Yaa mucaakoo Waaqayyoo, sihaa eebbisu"Yooseef Binayiimiin adda baase nagaan adda isaa gaafate ("eebbifami" BDB 335, KB 334, *Qal* IMPERFECT haala JUSSIVE tiin hojii irra oole.

Yooseefi barumsaa Waaqayyummaa ilaalcha biyyaa lafaan ibsuu isaa ilaali.

43:30 "Yooseefiis bni hariifate garaan isaa obbolloota isaa yaadudhaan midhaameera waan ta'eef"akkuma jiriutu kun kan hiikamu "garalaafummaan isaa guddaateera" (BDB 485, KB 481, *Niphal* PERFECT, Mootota isaaduraa 3:26). "Gara laafinaa"jehiis jedhuu (BDB 933) akkuma jiruuttii hiikii isaa "Gadameessa tokkoo keessaa kan ta'aan miira itti dhaga'amuu" (jachuun, obbolumma jalallaa oonneerra).

43:31 "Nyaataa dhiyeessa"kun akkuma jiruutti "daabboo dhiyeessadha" (BDB 962 KB 13 :21xiyyaafatadha). Aja'ibsiisa kan ta'ee lakk. 31-33 warrii Gibtii naannoo xarapheezaa teessuma irra ta'aani nyaachuu isaafi, warrii Kana'aan Ibiroota immoo bitaachaa ciqilee jarra isa bitaatti irkachuu hirkachuudhaan. Aaddaawal-falleessa qaba, warraa Gibxootaa fi warra Kana'aanoota gidduu (assitti Ibiroota), lakk. 32, Kunniis sirriidhumaatti kan wali ghaluu haalaa seena isaa yemmu ta'uu tarreefamni seena saatti argisiisa. (James M. Freeman, *Manners and Customs of the Bibl*, fuula 52)

43:32 "Isaafiis addummaan dhiyyeesaniiruu"inniis kan fakkaatuu Biniyaam teessuma adda ta'eerra adda ba'ee ta'uun isaa qofa miti, haa ta'uu malee nyaatii dabalataas dhiyaateeraaf (lakk. 34). Waluma galaatti Yooseef yaaalaa kan inni jiru obbollooni isaa warri biroon akka hinaafaniif haala isaani ilaaluudhaaf. Inni yaala kan inni jiruu amala wal-fakkaata ta'een, kunniis isaarraatti waggaa 20 fuula duraa kan irraan ga'aan ammaas waggoota kan keessa isaan gadi hin dhiifne yoo ta'ee mirkanefaachuudhaaf.

■ "Namooti Gibxii warra Ibiroota wajjiin nyaachuu waan isaaniiif hin taaneef kun warra Gibxiittiif akka waan xurawwaatti waan ta'eef"kun tarii Seera uumamaa 39:6 n kan ibsamuu ta'a, kunniis Phooxifaara mataa isaatiif nyaataa qopheessuu in dirqisafama kaa ture. Warrii tokko tokkoo Heroodutiis ni xuquu, 2:41, ilaalchaa kana ragaa godhee. Inniis kan itti fakkaate, warri Gibxii sa'aa kan nyaataan ija tuffiitiin kan isaa ilaalan, sababii isaa isaani sa'aa akka waan qulqulluutti godhaani waan ilaalaniif, akkummaa warraa ammayyooome Hindoota wal fakkaata ta'e. Kun tarii seeraa uumama 46:34 fi Bau8:26 ifa godha.

43:33 Warri Gibxii tajaajiloota obboolooowaan duuraa duuba umurittiin ka'uun ifaadha. Isaan akkaamiittiin kan abekaan? Yooseef eenyuma isaa ibsuun itti fuufeerra .

43:34 "Qodii Biniyaamii hundumaa isaanirraa dacha shaani kan caalu ture"kun ta'uu kan qabu "shan"lakkoofsii warraa Gibxiin birratti waan fayyaadaduuf. Tarreefama hundumaa kanaan lakkoofsii

“shaan”dhaabaatatti raawwatamuu isaatti (43:34, 45:6, 11, 22, 47:2, 24). Obolloowwaanmaal akka isaanitti dhaga’amuu tokkoo aja’ibsisuu danda’aa, Yooseef isaani wajjiin hirbataatti ta’uu fi Biniyaamii fi baayinaan dhiiyachuun isaa?!

“Gahee”jehii jedhuu (BDB 678)kan argisisuu foon cittuudha. 2a Samuu’eel 11:8 Asteer 2:18, Irmiaas 40:5) foon sangaa miti!

■ **“Isaaniis in dhugaan isaa wajjiiniin in gammaadan”**jehamni lamaan (“dhugaan”BDB 1059, KB 167 fi “dhugaaniruu”BDB 1016, KB 1500) sagallee wal fakkaata qabu (seera uumamaa 9:21). Haafeera barreedda qabataan!

SEERA UUMAMAA 44

HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

NASB	NKJV	NRSV	NET	NJB (follows MT)
Oboloonni ni deebi'an	Xoofoo Yoseef	Yoseef Oboloota isaa qormaata xumuraa keessa galche	Xoofoo bade	Xoofoo Yoseef qalqala Biniyaam keessa
44:1-5	44:1-5	44:1-5	44:1-5	44:1-2 44:3-5
44:6-13	44:6-13	44:6-13	44:6-9 44:10-13	44:6-13
44:14-17	44:14-17	44:14-17	44:14-15 44:16 44:17	44:14-17 Yihudaan gidduu seene 44:18-34
44:18-34	Yihudaan waa'ee Biniyaamiif kadhate 44:18-34	44:18-34	Yihudaan waa'ee Biniyaamiif kadhate 44:18-23 44:24-29 44:30-34	

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula xxiv irraa ilaali)

SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirmaa gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

QO'ANNOO JECHAA FI GAALLEE

Macaafa Qulqulluu Hiikaa Haaraa:44:1-5

¹Yemmus Yooseef namichaa isa hojii mana isa deemsisuu ajajee “namoota kannaaf midhaan amma qalqalichii isaani baachuu danda’uu itti guguutiif horii isaaniis adduma addaan afaan qalqalaa isaani keessa kaa’ii ² xoofoo koo isa meettii irraa hojeetame horii isa innii midhaan ittiin bitte wajjiin afaan qalqala isa quxisuu sana keessa kaa’P”jedhe innis akkuma Yooseef itti dubbate in godhe ³ Ganama yeroo laftii ifeetti namootni sun haroota isaani fudhatani akka adeemaniif in godhamaan ⁴ utuu isaan mandara keessa ba’aani fagoo in ga’iin nYooseef namichaa isa hojii mana isa ademsisuun “ka’ii namoota kana faana dha’ii yeroo isaan qaqabduu maaliif qoda gaarii amma deebiifan? ⁵ xoofoon isiin fudhatan ku isa gooftaan koo itti dhuguu mitiree? Hooda arguus isumaan arga mitiree isiin kana gochuun keessan hamaa hojetaan jedhiin”jedhe

44:1 Kun yeroo lammaffaadhaaf Yooseef kana gochuun isaa (42:25).

1. Guutii BDB 569, KB 583, *Piel* IMPERATIVE
2. Kaa’ii BDB 962, BDB 962, KB 1321, *Qal* IMPERATIVE

44:2 Kan Yooseef waancaa birri (lakk. 5) Biniyaam okkoottee keessaa ta’uun isaa waan biraadha. Yooseef obbooloota isaa hundumaa qoraa jira, kunniis hinaaffaa isaaniittiif jal’inaa isaani, guutumaatti obboleessa isaani irratti (mucaa Ra’eeli irraatti) raawwaatamaan.

“Xoofoo”jedhamee jecha hiikamee yadaamu kan qabuu (BDB 149) dhugumatti qodaa guddaadha, tarii kan ittiin bishaan buusaan yookaan immoo moqorqoraadha (Ermiyaas 35:5). Kan xoofoo jecha barratamee kan argamuu BDB 468 I (40:11, 13:21, 2a Samuu’eel 12:3 Faarfannaa 16:5, 23:5, Fakkeenya 23:31).

44:4 “Magaalaatiin”magaalaa ishee kam akka taate kan murta’uu Farihoon akkam akka ta’eedha. Booda irraatti seera uumamaa kan fakkaatuu Yooseef waa’ee biyyaa Geesam abba isaa hasoofsisuudhaan akkasumaas Farihoniinis magaalatidhumaatti guyyaadhuma sanatti. Kunnis kan argisisuu magaalaa biyyaa bishaan bukkeetti . Hayiksoos magaalaa achi turteedha. Innii itti fufuu Farihooniin magaalatti gara kanatti geese Siiti lammaaffaa ture. Innis saba Isiraa’eel qabaa hamaadhaan kan biteedha, Baudura, tarii Raamsees bara bitta lammaffaadha.

Qayyaabanaa kakuu moofaa, itti lixaa Bau www.freebiblecommentary.org. irraatti ilaali.

■ Yooseef tajaajiloota isaa gochaa hordofutiif ajaja.

1. In ka’ee, BDB 877, KB 1086, *Qal* IMPERATIVE
2. In hordoofe, BDB 922, KB 1191, *Qal* IMPERATIVE
3. Yeroo qaqaadutti, BDB 673, KB 727, *Hiphil* PERFECT bifaa fayyadama irra oole wantoota yeroo wajjiin wal-qabate. Kun jechaa Adamooti, taphaa hari’uu. Innis Laabaan Yaa’iqoobiin yeroo hari’uutti fayyadama irra oolera (31:25).
4. Komadhuu (gaaffiidha) hannaan

■ “Qooda gaarii maaliif hamaa naaf deebiifan”LXX (NRSV, NET hordoofe) himaa kana booda, “maaliif waancaa birrii koo hataan?”kan jedhuu itti dabalameera. TEB kun dabalata in qabu.

44:5 “Gooftaa koo kan inni itti dhuguu dhooksaas kan inni ittiin beekuu xoofoo mittirree”isaan boqonnaa kan sadan hundumaa Yooseef murtii itti guddisa dhuufeera, amalaa obbooloota isaa sakata’udhaaf. Ta’uus aja’ibsisaa kan ta’u dhoksaa kan mul’isuu kan jedhudha (BDB 638, KB 690, haala qinda’uumma seer-lugaa jabaateen, kan hin murtoofne kan xumuramee fi jechamaa hin xumuramne, hiddaa wal-fakkaataa, lakk. 15) kun tarii wanta biraadha, isaafi golguu Gibxii, baay’een geggeesitootni Gibxii yeroo kanaatti dhooksa kan mul’isaan turaan yookaan itti fayyadamu turan. Jechichii isaa guddaa kan inni jedhuu “walitti hasasuu”yookaan “itti dhaga’amuu dha” (Lew 19:26 fi Seera keessa deebi 18:10, innis dhuma irratti kan adabame). Sabtuwajeentiidhaan inni kan hiikee “agarsisaa duraatiin”kan jedhu yeroo ta’u, hiiki isaas fedhaa Waaqayyoo beekuudha, akkaata balali’uu sinbiroota hubachuudhaan.

Kan Yersaaleem Macaafa Qulqulluu jala qabsisaa isaatti (fuula 67) dhooksa beekuudhaan kan godhamuu

1. Biishaani gara waancaatti karaa ittiin bu'uu (Haayidiroomaansi)
2. Sagallee bishaani gara waancaatti yeroo warabaamu
3. Akkaata bu'iinsa zaayitii faariiji, gara waancaatti kan buufamu (Leekanoo maaniisi) Hundumtuu fayyadama irraakan oolaan bu'aadhaan (ba'a dhihoo durii) dha. S. R Dirayiveer kan bira dabalataa
4. Kan warqee, kan birrii, yookaan dhagaa gatii jabeessa caccaabaa gara waancaatti gatamaani, teessumni isaani yookaan ijaarsii isaani in galma'aa turee (UBS, *Handbook on Genesis*, fuula 989).

Baay'iinaan gegessiitootni keenya, waa'ee dhoksaa beekuu tooftaa kan dhufaan, Babiloonota durii Hoomen (Mastaa'iin) barreefamoota (akkasumaas tooftallee gara boodaa Isqeel 21 irratti hubadhu). Waa'ee tooftaa dhoksaa beekuu ragaa baay'ee hin qabnu, haaluma kanaan seenaan warra Gibixi irratti (James M. Freeman, *Manners and Customs of the Bible*, fula 52-54).

Macaafa Qulqulluu Hiikaa Haaraa:44:6:13

⁶ namichii yemmuu jarraa qaqabee dubbii isatti imamee kan a isaanitti in dubbate ⁷ jarrii immoo deebisaani “maal gooftaa maaliif akkas dubbata kan gochuun garboota kee irraa haa fagaatu ⁸ kunnoo horii isaa afaan qalqalaa keenya keessa arginne iyyuu biyya Kana'aani deebifne siti fidne akkamitti immoo mana gooftaa keetiti meeti yookiis warqee hannaree? ⁹ Nuyii garboota kee keessa abban wantii kun biraatti argamee haa du'uu nu'ii warrii kaan immoo gooftaa keenyaaf agrba in taana”jedhan ¹⁰ inni immoo jarraan “amma akkuma isiin jetaniyyuu haa ta'uu abbaan wanti kun biratti argame anaaf garbicha in ta'a wari kaan immo gadi in dhiifamtu”jedhe ¹¹ isaaniis dafaani adduma addaan qalqalaa isaani gadi baasaani in hiikaan ¹² Namichii fonqoolchee isa aqalqalaa isa hangafaatti jalqabee kan isa quxisuutiin nin raawwate xoofiichii immo qalqalaa Biniyaamiin keessaatti argame ¹³ kana irratti isaan na'aan ufaata isaani in tarsiisaan adduma addaniis haroota isaani deebisaan fe'atani gara mandaraatti in deebi'aan.

44:6-13 Lakkoofsooti kunni tiksumaa Yaa'iqoobii (43:16-25) obbollotaan isa kurnaan giddudha deddebiin ta'anidha.

44:9 Deebiin kunni baay'ee Yaa'iqoob wajjiin wal-fakaata Laabaan hari'atamee yeroo biraa ga'ameetti (31:32). Kunnis deebii amansiisa qabuudha, isaan kunnis in gaabu, haasaan isaan kana fakkaataan yeroo godhan xooffoon yeroo qarxixii Biniyaam keessaatti argamee.

44:10 “Ammas akkkuma himtaan haa ta'u xoofiichii kan inni biraati argamee anaaf garbichaa haa ta'uu isiniis qulqulluu in taatu”kunnis irra deebi'ee kan ta'u murtii waligalaati, Biniyaamiin dhiisaani in deemuu yoo ta'ee yookaan akka maatitti walduukkaa ta'uu yoo ta'e. Inniis Biniyaamiin gara duubatti dhiisuun salphaa kan ta'eedha (lakk. 17) kanaaf nageenyaa isaanitiif harifaate gara duubaatti kan deebi'uu (hidhamuu Simihoon irratti akka godhan).

Jechichii kan hiikamee “warra dhugaa ta'an”kan jedhuun (BDB 667 yeroo baay'ee kan hiikamee “mudaa kan hin qabnee”kan jedhuun. Jechiichi karaa baay'eedhaan fayyadama irraa kan oole

1. Akka haala mana murtitti, Bau23:7
2. Kan inni argisisuu Gara kakuutti, Seera uumamaa 24:41, Iyaasuu 2:17, 20
3. Kan inni argisisuu waa'ee namaati Iyoob 4:7, 9:23, 17:8, 22:19, 30, 27:17, Faarfannaa 10:8, 15:5, Macaafa fakkkeenya 1:11

Kun jecha tiksee kan ta'uu jechaa Yooseefiti, lakkoofsa 17 irraa kan jiru.

44:12 “Isaa guddaa irraa eegallee hangaa isaa xiqqaatti”kun duraa duubaa umurii obboollotowwaan beekuudhaaf duraan dursee isaan aja'ibsiiseera (43:33). Ammas tiksichii dhimmaa kan irraatti oddeeffannoo gahaa qaba.

Tikseen Yooseef kunni baay'ee kan dhihoof tajaajila amanamadha. Isa tokkoo aja'ibsisuu in danda'a, ammam jireenyii Yooseefiif amantii isaa akka ta'utti kan beeku.

44:13 “Isaanis laphee isaani tarsaasan”naasuu isaani kan ittiin ibsaan jechaa tokkooyyuu in qaban! Kun aadaa Yihudootaatti tokkooffaa miikita gaddaa ofi ittiin ibsuutti. Mata duree addaa: seera gaddaa 37:29 irraatti ilaali.

Macaafa Qulqulluu Hiikaa Haaraa:44:14:17

¹⁴Yihudaanii fi obollooni isa dhufaani mana Yooseefitti yeroo ol lixaan inni ammayyuu achuma turee isaan miila isaatti in kufaan ¹⁵Yooseef garuu isaaniin “wanti isiin gootaan kun maalii? Namni akka kooti hooda argu akka danda’uu hin beektaniree?”jedhe ¹⁶Yihudaan immoo deebise “gooftaa koo maal jechuu dandeenya maal dubbanaas nu’ii wanta kana akka in fuudhiin maaliin mul’ifnaree Waaqayyoo yakka garbootakee irraa argateera kunnoo nu’ii innii xoofichi harkatti argamees gooftaa kootiif garboota ta’uu keenya”jedhe ¹⁷Yooseefiis immoo “kana gochuun ana irraa haa fagaatu ini xoofichi harkatti argamee anaaf garbicha ta’a isiin warri kaan garu nagaadhaan gara abba keessanitti ol ba’a”jedhe.

44:15 Kun jechaa sobaati. Inniis haalicha keessaatti mudamaa dabaluu kan godhaameedha. Yooseef hanni isaani isaatti hin mulanne, isa kan qindeesse!

44:16 Yihuudaan oduu dedeebiftuu garee sanaatti. Yooseefiin gaaffii garaa garaa heedduu ni gaafaata

- 1) Gooftaa kootiin maal jenna?
- 2) Maaliis dubbaana?
- 3) Mataa keenyaas akkamitti mudaa malee of goona? (BDB 842, KB 1003, *Hithpael* IMPERFECT)
- 4) Lakkoofsii 18 ammas gaaffiidha
- 5) Lakkoofsii 19 ammas gaaffiidha
- 6) Lakkoofsii 34 ammas gaaffiidha

■ “Waaqayyoo cubbuu garboota keetti bakkeetti baase”asi irratti ammas bifaa barruumsa Waqayyummaatiin Yooseefiin ganuu fi gurguruu cubbuu isaan isaan kana (BDB 730, 413, 1516, 1915,) miira waggoota kana hundumaa irraatti isaani wajjiiniin kan ture fakkaata (42:21-22, 28). Ta’uus, obollooni isaa dhugummaatti kan jijiramaan fakkaatu, Biniyaamii fi ittisuu irraatti wali galaaniruu, akkasumas Yihuudaan jijjiruudhaaf fillannoo dhiyeesseera (lakk. 18-34, Beeteliyeem lakk. 32-33). Kadhatti kun sdarkaa wal-faakkatadhaan akkuma Abirahaam, Musee, fi Phaawuloos kadhata namaaf kadhachuu.

Mata-duree addaa:namaaf kadhachuu

- I. Itti lixaa
 - A. Kadhatti barbaachiisaadha, sabaabaa fakkeenya Yeesuusittiin
 1. Kadhata dhuunfaa Marqoos 1:15, Luqaas 3:21 6:12, 9:29, 22:29-46
 2. Mana ququlqulluummaa isaa qulqulleessuuf, Maatihoos 21:13, Mariqoos 11:17, Luqaas 19:46
 3. Kadhata fakkeenyumma, Mat. 6:5-13 Luqaas 11:2-4
 - B. Kadhatti amantii dhuunfaa gara gochaa qabatamaatti kan gessuudha, gara argamuu Waaqayyootti, fedhaa kan ittiin ga’udha, kanaafiis karaa keenyaaniis ta’ee karaa biraatiin nhojjechuuf in dandeesisa, karaa kadhata keenyaan.
 - C. Waaqayyoo mata isaa qaamaan argamsisa, bakka baay’eetti kadhata ijoollee isaadhaga’ee gochaa raawwachuudhaaf (Yaa’iqoob 4:2)
 - D. Inni guddaan akkeeki kadhataa tokkumaan keenyaa Waaqayyoodhaa wajjiin yeroo keenya kennudha.
 - E. Daangaan kadhatachaa waan tokkoolleefiis homaas miti, amantoota kan dirqisisu. Al tokkoo kadhachuu in dandeenya amantiidhaan, yookaan deebine dedeebine ni kadhana yaadi isaa yookaan dirqaamni keenyaa haggaa deebi’utti
 - F. Kadhani wantoota baay’ee xuquu danda’a
 1. Galataa fi kadhatti Waaqa sadaan tokkootiif (Waaqa) dhiyeessu
 2. Waaqayyoodhaaf galata dhiyeessu waa’ee argamuu isaatiif, tokkuma isaa, fi kennaa isaa
 3. Cubbuu keenyaa qalbii jijirachuuf, kan darbeefiis kan ammatiifiis
 4. Hawwii fi fedhaa barbachisaa nutty fakkaataniif kadhachuu
 5. Abbaa duraatti kan biraatiif kadhachuu yeroo barbaachiseetti

G. Dhoksa Namaaf kadhachuu Waaqayyoo baay'ee kan irraatti kadhannuu, nurraa caala isaan jallaata kadhatti keenyaa jijjiramaaf, deebiif yookaan hawwiin, nuu qofaan utuu hin taane isaan irraattiis dhiibbaa yoo qabaatees.

II. Wantoota Macaafa Qulqulluu

A. Kakuu Moofa

1. Waa'ee namaaf kadhachuu fakkeenya murta'oo
 - a. Abirahaam waa'ee Sadoomiif kadhatee, Seera uumamaa 18:22
 - b. Museen Isiraa'eeliif kadhatee
 - (1) Bau5:22-23
 - (2) Bau32:31
 - (3) Seeraa Ba'uu 5:5
 - (4) Bau9:18, 25
 - c. Samuu'eel Isiraa'eeliif kadhateera
 - (1) 1Samu'eel 15-6, 8-9
 - (2) 1Samu'eel 12:16-23
 - (3) 1Samu'eel 15:11
 - d. Daawiiti muchaa isaatiif, 2^a Samu'eel 16-18
2. Waaqayyoo warra namaaf kadhataan ni barbaada Isa 59:16
3. Kan beekkamee, cubbuu qalbii hin jijjiratamnee yookaan gaabbii kan hin qabnee haala kadhata keenyaa ni miidha.
 - a. Farfaannaa 66:18
 - b. Fakkeenya 28:9
 - c. Iyaasaas 59:1-2, 64:7

B. Kakuu haara

1. Kan ilmaa fi kan Hafuura Qulqulluu tajaajilaa namaaf kadhachuu
 - a. Yeesuus
 - (1) Roome 8:34
 - (2) Ibiroota 7:25
 - (3) 1Yohaniis 2:1
 - b. Haafura Qulaulluu Roome 8:26-27
2. Tajaajila namaaf kadhachuu Phaawuloos
 - a. Warra Yihudootaaf kadhachuu
 - (1) Roome 9:1
 - (2) Roome 10:1
 - b. Waldoota kiristaanaatiif kadhachuu
 - (1) Roome 1:9
 - (2) Efe 1:16
 - (3) Filiphisihius 1:3-4, 9
 - (4) Qolasiyaas 1:3, 9
 - (5) 1Tessollonqee 1:2-3
 - (6) 2Tessollonqee 1:11
 - (7) 2Ximootihoos 1:3
 - (8) Filimooma 4
 - c. Phawuloos waldoota kiristaana akka isaaf kadhataan gaaffatera
 - (1) Roome 15:30
 - (2) 2^a Qolontoos 1:11
 - (3) Efe 6:19
 - (4) Qollosayiis 4:3
 - (5) 1Tessoolonqee 5:25
 - (6) 2Tessellonqee 3:1
3. Tajaajila kadhataa kan biraaf gochuu waldaa kiristaana
 - a. Tokkoo kan biraaf kadhachuu isaa

- (1) Efe 6:18
 - (2) 1Ximootiyooos 2:1
 - (3) Yaa'iqoob 5:16
- b. Obbolloota adda ta'aniif kadhata gaaffatan
- (1) Dinoota keenya Mat. 5:44
 - (2) Amantoota hojjeetoota, Ibiroota 13:18
 - (3) Bulchitoota, 1Ximootihoos 2:2
 - (4) Kan dhukkuubsataniif Yaa'iqoob 5:13-16
 - (5) Gara cubbuu isaatti kan deebi'eef 1^a Yohaaniis 5:16

III. Kadhata kan guufachisan

A. Walliitti dhuufeenya Kiriistoosii fi Haafura Qulqulluu wajjiin qabnu

1. Isatti jiraadha Yohaniis 15:7
2. Maqaa isaatti Yohaaniis 14:13, 14, 15:16, 16:23-24
3. Hafuuraan Effeesson 6:18, Yihuuda 20
4. Akka fedha Waaqayyootti Mat. 6:10, 1^a Yohaaniis 3:22, 5:14-15

B. Yaada isaa keessa

1. Utuu hin mamiin, Mat. 21:22, Yaa'iqoob 1:6-7
2. Gadii of-deebisuu qalbii jijjiiranaa Luqaas 18:9-14
3. Kadhata dogogoraa Yaa'iqoob 4:3
4. Of-jaallachuudhaan Yaa'iqoob 4:2-3

C. Bifa kan biraan

1. Obsa
 - a. Luqaas 18:1-8
 - b. Qolasiyaas 4:2
2. Gaaffii itti fufuu
 - a. Maatihoos 7:7-8
 - b. Luqaas 11:5_13
 - c. Yaa'iqoob 1:5
3. Manatti wali-galtee dhabuu 1^a Pheexiroos 3:7
4. Cubbuu beekama irraa bilisa ta'u
 - a. Faarfannaa 66:18
 - b. Fakkeenya 28:9
 - c. Isa 59:1-2
 - d. Isayaas 64:7

IV. Walitti qabaa barruumsa Waaqayyumma

- A. Akkam carroomuudha mudannaa akka tasaadha. Maal gochaa akkamii fi itti gaafatamumaa
- B. Yeesuus fakkeenya keenya. Haafurichii geggeessa keenya. Abbaan hawwii guddaadhaan eega jira
- C. Isiin jijjiiruu danda'a, Maatii keessaan, hirihoota keessaanii fi biyyaa lafaa

44:17 “**Kana gochuun narraa haa faagatuu**”kun jecha tokkoon waan wal-fakkaatu ibsu inniis dirqama amantii yookaan gaarummaa dabarsuu dhiisuu kan ta'u (Seera uumama 18:25, Iyaasuu 22:29, 24:16, 1^a Samu'eel 2:30, 20:2, 9, 22:15, 2^a Samu'eel 20:20, 23:17).

■ “**Gara abbaa keessaanitti nagaadhaan deema**”ajajii kun (BDB 748, KB 828, *Qal* IMPERATIVE) haalicha ulfeessuufi kan kennaamee ta'uu isaa ifadha. Obbolotni isaa Biniyaamiin osoo hin qabatiin gara manatti hin deebi'an, sababii isaa Yaa'iqoob ni du'a jedhani waan sodaataniif (lakk. 30-31). Nagaan hin jiraata kan jedhuu abdiin hin jiru!

Macaafa Qulqulluu Hiikaa Haaraa 44:18-34

¹⁸Ergasii Yihuudaan gara Yosefiitti dhiyaatee yaa gooftaa, ati akkuma mootii Gibxii; ani

dubbii tokko si gooftaa koo nan dhageessifadha, ati hadaraa garbicha keetii aartee hin boba'in, gooftaan koo, 'Abbaan keessan jiraa? Obboleessa biraas qabduu? Jedhee garboota isaa gaaftee ture; ¹⁹nuyi immoo abbaan keessan jiraa? Obboleessa biraas qabduu jedhee garboota isaa gaafatee ture; ²⁰nuyi immoo abbaan keenya jira, innis dulloomeera; ilmi quxisuun inni dulluma isaa keessa godhate tokkos jira, haadhoon mucichaa in du'e, ijoollee haati isaa deesse keessa mucichi duwwaan waan hafeef, abbaan isaa caalaa isa in jaal'ata jenne. ²¹Yommus ati nuyi garboota keetiin, 'Isa na bira fida ija kootiin isa nan ilaalaa jette; ²²nuyi immo si gooftaa kootiin, mucichi abbaa isaa dhiisee adeemuu hin danda'u; dhiisee yoo adeemes abbaan issaa indu'a jenne. ²³kana irratti ati garboota keetiin, 'obboleessi keessan inni quxisuun isinii wajjin yoo dhufe malee, isin lammaffaa ija koo hin argitan' jette; ²⁴nuyis immoo gara abbaa koo garbicha keetti ol deebine, dubbii ati gooftaan koo dubbatte isatti himneerra. ²⁵'Takka turee abbaan keenya 'amma dhaqaatii midhaan xinnoo ishee nuuf bitaa' naan jedhe; ²⁶nuyi garu ' obboleessi keenya inni quxisuun nuu wajjin hin jiru yoo ta'e, ija namichaa arguu hin dandeenyu; kanaaf obboleessi keenya inni quxisuun nuu wajjin yoo jiraate indhaqna, kanaa achi nuyi dandeenye gad hin buunu' jenne. ²⁷abbaan koo garbichi kee immoo 'haatii manaa koo haati mucaa ilmaan lama akka anaaf deesse isin iyyuu beektu; ²⁸ inni tokko ana biraa ba'e, ani ani utuu isa hin argin nan hafe; egaa inni 'dhuguma gargar kukkutame jedheen yaade. ²⁹isa kanas immo ija koo duraa fuutanii waanti hamaan isa irra yoo ga'e dulluma koo keessa gaddaan gara iddoo lafa jalaatti akkan gadi bu'u in gootu nuun jedhe. ³⁰Yaa gooftaa koo lubbuun abbaa kootii mucicha malee waan hin jiraanneef ani mucichi ana bira yoo jiraate male, abbaa koo garbicha kee biratti galuu hin danda'u; ³¹nuyi akkasitti deebinee yoo galle abbaan keenya mucichi nu bira akka hin jirre yommuu argu in du'a; nuyi gaarboonni kees abbaan keenya garboonni kee abbaan keenya garbichi kee dulluma isaa keessa gaddaa gara lafa jalaatti akka gad bu'u ni goona. ³²ani garbichi kee immoo abbaa koo duratti mucichaaf darbee gara keetti yoon fiduu dhabaadhe bara koo guutuu abbaa koo akkan yakketi nan hafa jedheera. ³³Ammas ani garbichi kee iddoo mucichaa si gooftaa kootiif garbicha ta'e hafee mucichi obboloota isaa wajjin akka ol ergituuf sin kadhada! ³⁴Waanta hamaa abbaa koo irra ga'u akkan hin arginetti, mucichi nabira hin jiru yoo ta'e, ani gara abbaa kootti ol Ba'uu hin danda'u''jehde.

44:18-34 Yihudaan ammas ibsa kenna, obboollooni isa nyaata bittuudhaaf gara Gibxii kan deemaan deemsa yeroo lamaa fi haala mana jiruu, Biniyaam wajjiin deemsa lammaaffaa waan dhufaanif.

44:18 “ani dubbii tokko si gooftaa koo nan dhageessifadha”kun jecha tokkoon wanta wal-fakkaatu ibsudha. “sii wajjiiniin ifaa keessaati nan has’aa”kan jedhu (20:8, 23:10, 13, 16, 50:4, Seera keessa deebi 5:1, 31:11, 28, 30).

■ **“hin dheekamiin”**Yihudaan in gaafate (BDB 354, KB 351 dhiibbaa) Yooseef baay’ee akka hin dheekamne (30:2, 39:19), haa ta’uu malee haala maati isaa, dargageessa kana irraa obboolleessa isaa wajjiin kan wal-qabate.

44:28 “inni sirrimatti ciccirameera”kunni qinda’umma seer-lugaan jabaateedha (kan hin murtoofne jechamaa xumurame hidda wal-fakkaata (BDB 382, 380) innis immoo 37:33 irraatti argama.

44:30 “Yaa gooftaa koo lubbuun abbaa kootii mucicha malee waan hin jiraanneef ani mucichi ana bira yoo jiraate male, abbaa koo garbicha kee biratti galuu hin danda’u”kun kan argisisuu Yaa’iqoob Biniyaamiif kan inni qabu jalallaa guddaadha. Kun yaada ijoo walitti hidhiinsa lubbuu (BDB 905 KB 1153, hojjii irra oolmaa keewwaata Booz) ammas fayyadama irraa kan oolu Dawiitii fi Yonaataan gidduu jalallaa guddaa jiruu fi firooma isaani ibsudhaaf Samu’eel 1^a 18:1 irratti. Yaa’iqoob Yooseefiin dhaabbuu booda gadda irratti, kan inni jajjabaatu kan jallaatu haadha mana isaa duute mucaa Raa’eel kan biraa irratti waan xiyyaafatee tureef.

44:33 Jechammii kun dhiibbaa lamaa qabu. Yihudaan waa’ee Biniyaamii fi hiikamuuf deebi’uu isaa osoo kadhatu.

1 Garbichii kee (jechuun, Yihudaa) haa hafuu (akkuma jiruutti “naan taa’a”) BDB 442, KB 444, *Qal JUSSIVE*

Gaaffiiwwan Maree

Kun qajeelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa eebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan.

- 1 Yooseef obboloontan saa irratti kan kan fakkaatu kara gara-jabeenyaatiin maaliif godhe?
- 2 Yooseef kana kan fakkaatu wantoota hin baratamne boqonnaa kan keessaatti obbolota isaa wajjiin waliti dhuufenya qabu maaliif akka godhee sitti fakkaata?
- 3 Yooseef Biniyaamiin gara Gibxitti akka dhufuu maaliif barbaade?
- 4 Dursee kan beekamee (ta'ii jedhee) cubbuun bakka ga'umsaa isaa tokkoo akka to'atuu baruumsa Waaqayyummaa keessa kee jiruu tarreessi

SEERA UUMAMAA 45

HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

NASB	NKJV	NRSV	NET	NJB (follows MT)
Yoseef Oboloota isaatiif gaarii raawwate	Yoseef Oboloota isaatiif mul'ate	Yoseef ofii isaa Oboloota isaatiif akka beekamu taasise	Yoseef eenyu akka ta'e obboloota isaatti hime	Yoseef ofii isaa akka beekamu godhe
45:1-3	45:1-15	45:1-3	45:1-8	45:1-2 45:3-8
45:4-15		45:4-15	45:9-11 45:12-13 45:14-15	45:9-13 45:14-15 Affeerraa Fari'oon
45:16-20	45:16-20	45:16-20	45:16-20	45:16-20 Gara Kana'aanitti deebi'uu
45:21-23	45:21-24	45:21-24	45:21-24	45:21-24
45:24-28	45:25-28	45:25-28	45:25-26 45:27-28	45:25-28

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula xxiv irraa ilaali)

SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko gofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

Qayyabana Dugda duubaa

- A Boqonnaa 42-44 Yooseefi obolloowan isaa qorera, garrii midhaan isaan itti jali'atee, kessumatti ijoollee Raa'el iratti kan isaan qaban jijjiram isaa beekuufi. kuns dursaan Biiniyaami wajjiin kan wal-qabatee gocha raawwataniin ilalameera.
- B Boqonnaa 45 fi 46 kan inni ibsu guddummaa Yooseefiin guddaachuu kutaa cufaa fi raawwii fedha Waaqayyoo, qaama Ya'iqoobii fi ijoollee kakuu isaa oolchu, kunnis waggaa turban beela kan jirudha.
- C Boqonnaa 45:5-6 baay'ee kan fayyadudha, kunnis harkii Waaqayyoo Yoosee irra ta'uu isaa raga kan ta'udha, hamaamillee haala gadiisaa keessa yoo jiraates. Dhugaa kana qofaa jireenya keenyaan yoo ilaale jijjirama akkami fida laata. Ijoollee Waaqayyoo irraa akkasumaan wanti tokkoollee irra hin ga'u (Hannah Whithall Smith's *The Christian's Secret of a Happy Life* isa jedhu ilaali).

Qo'annoo jechaa fi gaallee

Macaafa Qulqulluu Hiikaa Haaraa:45:1-3

¹Yemmuus Yooseef warra isa bira dhaabatani hunduma duraatti of qabu in dandeenye kanaaf guddise “namoota hundumaa gadi anaaf baasa”jedhe yeroo Yooseef obolloota isaatti of mul'se namni bira tokkuuyyuu isa biratti hin hafne ² warrii Gibxii amma dhaga'aanitti warrii mana mootichaas amma dhaga'aanitti inni guddise in bo'ee ³ ooseef obboolloota isaattiin “ani Yooseef abbaan koo jeira”jedhe obboollono isa garu fuula isaa duraa dhaabachuu isaanittiif na'ani waan raafamaniif deebi isaaf deebisu hin dandeenye.

45:1 “Yoosee of to'achuu hin dandeenye”jechami kun (BDB 407, KB 410 kan xumuramee fi kan hin murtoofne *Qal* PERFECT and a *Hithpael* INFINITIVE CONSTRUCT, BDB 67, KB 80), innis fayadama irra kan oole Yooseefiif 43:31 irratti inniis miiraa isaa to'achuu kan danda'ee. Asitti sagallee isaa ol-fudhatee kan bo'ee (lakk. 2) yeroo bo'ee hundumtuu dhaga'eera.

■ **“Hundumaa naa baasi”**ajajichi (BDB 422, KB 425, *Hiphil* IMPERATIVE) tarii afaan Gibxitiin dubateera ta'a ajajichii tajajiloota Yooseef hundumaatiif (tiksee isaa adda dabalate). Inni obboolowwaan isaa 11 wajjiin duwwaadha kan dhiyaate.

■ **“Yooseef mataa isaa obboolloota isaatti yeroo mul'see”**kun yeroo akkamii ta'a! Yooseef miiraan ka'eera, isaaniis miiraan ka'aaniruu (lakk. 3)

45:2 “sagalee isaas ol-fudhatee bo'ee namootni Gibxiis dhaga'aan mana Fariyoonitiis dhagahameera”Yooseef tajajiloota Gibxii hundumaa kutaa sana keessa gadi baase. kunniis kan ta'eef tokkooffaan obboolloota isaa qanneessu manaaf yookaan lakk. 2 dhimma guddaa dhuunfa kana kan ta'e haala miira warra Gibxii fuula duraatti argisisuu manaaf akka hin mula'anetti. Ta'uus, seeri warra ba'a kan ta'e sagallee ol-fudhatanii bo'uun tajajiloota itti dhiyaatani jiraan biraatti dhaga'ameera, tarii Yooseef in waama yoo ta'ee deebi kennuudhaaf. Yooseef Gibxiitti nama jallaatamadha, kanaaf tajajilooni isaa dhuunfa isaanitti waa'ee isaa itti dhaga'ama yookaan ogummaa isaa tiif motummaan bulchiisa isaa akka duraa in bande isaan yaachiseera, kanaafiis waan dhag'aan Farihoonitti ibsan.

45:3 “Ani Yooseefidha”jechammii kun ragaa dhiyaatedha. Innis afaan Ibirootaatiin akka dubbatetuu tilmaamama, garuu obboolooni isaa afaan Gibxii dubbatuu jedhamee tilmamuu dhiisuun isaa ifaadha, akkasumas turjumaani tokkoollee dhabamusaa, tarii Yooseefi afaan ittiin afaan hiikatee afaan isaanittiin dubbaachuudhaan nasiseera ta'a, kanaaf kan kana fakkaatan ibsa diraama kenneera (lakk. 4).

■ **“Abbaan koo amma ammatti jireenyaatti jiraa”**ibsitooni tokko tokkoo lakkoofsa kana sirruumma isaa ni shakkuu, sababii isaa 43:27 irraatti Yooseef gaaffii wal-fakkaata dhiyeessuu isaatiin. Ta'uus jechiichii ta'u kan qabu (BDB 311, 1a Samu'eel 25:6) jechuu kan danda'u jireenya qaama dabalateetti. Walummaa galaatti

gaaffachaa kan inni jiruu waa'ee nagummaa abbaa isaatiitti, lakkoofsa dura ijiraan irra kan nutty hubanne, Yooseef du'ee erga jedhamee asitti kan jiruu wal-fakkaata miti (lakk. 27).

■ “Isaaniis na'aani turaan”kun jechammaa cimaadha (BDB 96, KB 111, *Niphal* PERFECT, , Abboota firdii 20:41, 1 Samu'eel 28:21, 2 Samu'eel 4:1, Iyoob 21:6, 23:15 Faarfanna 6:3, 30:8, 48:6, 83:17, 90:7 104:29, Isa 13:8, 21:3, Isqeel 7:27).

Macaafa Qulqulluu Hiikaa Haaraa:45:4-15

⁴Yooseef kana boodee obboolloota isaatiin “maaloo as gara kooti dhiyaadha”jedhe isaaniis isatti in dhiyaatan inni immoo “ani Yooseef obboolleessa keessan isa isiin biyyaa Gibxitti gurgurtanidha 5 ammas lubbuu oolchuudhaaf isiin dura asitti kan na erge Waaqayyoo waan ta'eef isiin isa na gurgurtaaniif yaadan hin dhiphatina ofittiis hin haarina ⁶ waggaa lamaan kana biyyiicha keessaatti beelli bu'eera ammayyuu immoo kan itti hin qotamne hin harmnees waggoota shantuu hafee ⁷ Waaqayyoo amba lafa irratti isiiniif qusachuudhaaf warra baay'aatan ofkalaniifs fayyaatti isiin jiraachisudhaaf isiin dura na erge ⁸ Egaa Waaqayyoo malee isiintu as na erge miti inni motichaa fi abba mana isa hundumaa irratti gooftaa guutumaa biyyaa Gibxii irratis bulcha biyyaa na godhe ⁹ “ammas haritidhaan gara abba kooti ol ba'aatti ilmi kee Yooseef Waaqayyoo guutama biyyaa Gibxii irraatti gooftaa na godheera kanaaf in turinitti ana bira kottu ¹⁰ ati biyyaa Gooshaan in teessa ati ijoolleenkee ijolleen ijoollee kee, busha'eenkee, sawwaankee, wanti atti qabduu hundinuuf anatti hin dhiyaatu 11 ammallee waggootni beella shan waan hafaniif ati warri mana kee keessa jiraaniis wanta qabdan hundumaa dhabdani akka hin hiyyoomnetti ani waanta hundumaa achitti waan barbaachisu akka argatu nana godha siin jedheerajedhatti itti hima ¹² ammas ani afaan koottiin kanaa akkan isinitti dubbaadhu iji keessan argeera ijii obboolleessa ko Biniyaamiinis argeera ¹³ egaa hulfinaa guutuu anii biyyaa Gibxii keessaatti qabu waan argitaan hundumaas abbaa kooti hima dafaatti abbaa koos as fidaa jedhe ¹⁴ kana boodees mormaa oobboleessa isaa Biniyaaminitti kufee itti hin bo'ee Biniyaamiiniis mormaa isa irratti marmee hin bo'ee ¹⁵ obboolloota isa hundumaas dhudhungate isaanitti marmee in bo'e obboollooni isaas kana boode isa wajjiin in hasa'aan

45:5 “Ammas asitti waan na gurgurtaaniif hin gaddinnaa, isinitti hin dhaga'amiin”“hin gaddinna”jechii jedhuu (BDB 780, KB 864, *Niphal* IMPERFECT bifa JUSSIVE kan hojii irra oole) hundee Niifiiliin fayyadama irra kan oole 1^a Samu'eel 20:3, 34, 2^a Samu'eel 19:2 fi Nahimiya 8:10, 11 irrattidha. Hiikii hundee qabeessi “miidhuu”“dhiphisuu”yookaan “gadu”.

“Garaa nyaachuu”jechi jedhuu “gaabu”jechudha (BDB 354, KB 351, *Qal* JUSSIVE, dhibbaawwaan, seera uumamaa 31:36, 39:19, Sera Ba'uu 32:11).

Yooseef baay'ee ibsa amantii aja'ibsisaa gochudhaaf, innis Macaafa Qulqulluu keessaatti bakka adda addaatti kan argamu lakkoofsi kun ibsa Yooseef hakeeka barumsa Waaqayyummaati! Kana kan fakkaatuu sirrii kan hin taane gochaa hamaa gidduu kan Waaqayyoo (Hellooyim) amantidhaan harka isaa ilaalu danda'eera. Lakk. 5:9 tti kan isaaf wayyuu 1an, mirkaneeffachu cimaadha, kunnis gaarumma Waaqayyoo fi argamuu isaati, wal'aansoo gidduu fi rakkinnoota jireenya dabalatee.

Barreeffama cimaadhaa aja'ibsisaa kana irraatti yaada dabalataati. Yeroo hundumaa gaaffii koo kan ta'uu “Waaqayyoo kakuu isaatiif maatii isaa qofaaf, karaa kanaan kan hojeetu”kan jedhudha. Waaqayyoo wanta barbaachisaa ta'ee hundumaa akka godhuu ifaadha, maatii Abirahaamiin degeeruudhaaf (Roome 9:11 tti garuu immoo amantoota hoo? Jalaalli isaa kan barabaraatiif (jechuuniis, oolchuu) yookaan kan yeroofi kan baraaraatti. Inni nuratti karaa wal fakkaatadhaanii? Biyyii lafaa kun hamaadha, bakka isaa hamaatiis (*The Goodness of God* by Wenham jedhu ilaali). Amantooni rakkina in fudhatu, amantootni ni ari'amu, amantootni ni ajeeffamuu! Kakuu haara irraa dhugaa kan ta'e, Waaqayyoo nu wajjiin, akkasumas nuuf ibsamuu haala hin dandeenye gidduuttillee (*The Christian's Secrets of a Happy Life*, kan jedhu Hannah Whithall Smith kan qopheesse ilaali). Inniis kan amantii dursa tilmaama fi jecha ibsa qulqulludha, amantootni Waaqayyoo fi kan kabajamaan ta'au isaani! Dhoksa jireenyatti, garuu kan hin mula'atne (amma kan hin beekkamne kan hin taanne) harkii Waaqayyoo nuu wajjiiniidha. Daqiiqaadha daqiiqaatti nagaan keenyaa boqochuu kan inni qabu isatti, sagalleessati, ilmaa isaa irrattidha, haala irraati utuu hin ta'iin (1^a Qoroontoos 10:13, 13:8-13). Nuttii maati Abirahaamitti (Rom2:28-29)!

45:6 “Waggaan lamaan kun biyyaa lafaa irraatti beelli waan ta’eef kan hin qotamnee fi kan itti hamaamne waggaan shani ammayyuu hafera”kun deebi’ee kan inni agarsisuu kara abjuu Farihooniin kan argame mula’ta, kunnis waggaa torba beella jabaa yeroo ta’udha.

45:7 Jecha Yooseef lakkoofsa 7 irratti kan argisiisu waa’ee warra hafeeti (BDB 984) kan eegamu, gochicha wajjiin kan adeemu, isaa booda barumsa Waaqayyummaa fayyadama wajjiin, jechuun “haafii” jechii jedhu innis kan inni argisiisu amana kan ta’e, amanama qooda saba Ibirootaati.

Mata-duree addaa: haftee, bifa sadiin

Ijoon yaada Kaku Moofa “hafte amanama”raajjoti qabatama deddebi’aadha (garaa caalutti jaarraa 8ffaa rajootaa fi Irniyaas). Innis fayyaadama irra kan oole bifa sadiin

- 1 Hari’atama irraa kan hafaan (Fakkeenya Isa 10:20-23, 17:4-6, 37:31-32, 42:15, 19, 44:12, 14, 28, Amoots 1:8)
- 2 Yaahiweedhaaf amanamoota kan ta’an kan hafaan (Fakkeenya, Isa 4:1-5, 11:11, 16, 28:5, Iyu’eel 2:32, Amoots 5:14-15 Mikiyaas 2:12-13, 4:6-7 5:7-9 7:18-20)
- 3 Isaaniis yeroo isa dhumaa haareesuudhaa fi lammaffataa uumamuu qaama kan ta’an (Fakkeenya

Amoost 9:11-15)

galumsa mana hidhaa Waaqayyoo murasa duwwaaf kan fille (hinaafa amanamumaa

Kan qaban) warraa hafaan keessaa (warra hidhaa irraa hafaan) gara Yihuudatti deebisu. Duraan dursee boqonnaa kana keessatti akka ilaaletti qabatamaati Isiraa’eel darbee deebisa (lakk. 6). Waaqayyoo lakkoofsa hir’sa, human isaa, kennaa isaa fi eegumsa isaa agarsiisuu fi akka danda’uu (fakkeenya Gedihoon Abbota Firdii 6-7).



NASB, NKJG

NJB

NRSV

NET

LXX

JPSOA

“oolchu guddaa”

“Baay’een akka fayyanitti”

“Sanyiwwaan akka fayyanitti”

“Haftee guddaa (dhaloota booda)”

“Fayyisuu aja’ibsiisa”

Kun akkuma jirutti “jal’aa ba’udha” (BDB 812, Irmiyaas 25:35) fi “guddaa” jechi maxantuun kan jedhuu (BDB 152). Gargaarsii Yooseef maati isaatiif, gegeessaa Gibxii ta’u isaa irraa kan ka’een, kan ibsamee akka oolcha guddaatti, Yahiiweedhaan akka karoofameetti (lakk. 5, 8, 50:20).

45:8 “Innis akkas na godhe”kunnis ga’umsi duraa ibsa amantii barrumsa Waaqayyummaa rakkinni wal-fakkaatu, Waaqayyoo gochowwaan anmoota bu’aa isaan fidaan “akksumaas haalawwaan”fooniin beekuu wajjiin miti, haa ta’uu malee amma sadarkaa eessaatti itti gaafatumumaa isaa akka fudhatudha (irra deddebi’uun isaa) cubbuun namoota? Barumsa Waaqayyummaa beektootni (Strong, *Systematic Theology*, 2nd ed. fuula. 423-425; Erickson, *Christian Theology*, 2nd ed. fuula. 424-426 ilaali) kan dhiyaatan yaada karoofamaan baay’ee yeroo ta’u isaaniis kan argisisan gidduu galu Waaqayyootti, haa ta’u malee haa ta’u jedhee gochaa cubbuu osoo hin ta’iin (Ya’iiqoob 1:14, 1^a Yohaniis 2:16).

- 1 Gochicha dhorkuu danda’a (Seera uumama 1:16)
- 2 Gochicha iyyaamuu danda’a (Faarfannaa 81:12-13, Roome 1:24, 26, 28)
- 3 Gochichaa ajaajuu danda’a (Seera uumama 37:21-22, 45:5, 7, 8, 50:20)
- 4 Gochiichi murteessuu (Daangessuu) danda’a (1^a Qoroontoos 10:13)

Matadure addaa: durse kan murta’ee (Kaalviniziim) yookaan fedhii bilisaa nama (Harmeeniiziim)

I. Roome 8:29, Phawuloos”dursa beekumsaa” (dursaanni beeku) kan jedhuu lamaansaatti gargaarameera, asitti fi 11:2 irratti. 11:2 irraatti kan argisiisu kakuu jalaalla Waaqayyootti, yeruuchi utuu hin jalqabiin fuulduraatti Isira’eliif kan inni qabu. “beekee” jechi jedhuu Ibiroota wajjiin kan deemuu itti dhiyeenyaan, walitti dhuufeenya dhuunfa wajjiin ta’uu isaa yaadadhu, waa’ee nama tokkoo dhugaa jiruu osoo utuu hin

ta'iin (Seera uumama 4:1, Irmiyaas 1:5). Asitti inni kan dabalame hidhata haala barabarumma walqabateeti (Rom8:29-30) jechii kunii murtoo duraa wajjin wal qabata qaba. Ta'us, inni taa'uu kan qabuu dursee beekuu waaqayyoo hundee filatamu u miti, sababnii isaa, akkan yoo ta'ee filatamun nama kufeen ----- (gara fuulduraati) deebii irrattii kanta'u ture, kunisi hojii namaan. Jechi kun immoo kan argammu, HoE26:5 ; 1phexiros 1:2, 20 fi 2phexiros 3:17.

A. "Beekamtii duraa" ("dursee beeku")

"beekamtii duraa" fi "dursee kan murtaa'e" jechii jedhan lachanu "duraan" kan jedhu kan walmadaaluu wajjin kan walmakaniidha, fi kanaaf, hikamuu kan qaban "dursee beeku, ""daangaa dursee murteesuu" ykn "dursee mallattoo gochuu" kan jedhuudha. Keewwati Ibsa ta'aan murtoo Dursaa irratti, Kakuu Haaraa keessatti Rom8 :29 -30, Effesoon 1:13-14 fi Rom9 irratti argama. Bareeffamootni kun ifatti cimsa kan laatan waaqayyoo hundumaa danda'uu isaati. Waaqayyoo hundumaa hin too'ata. dursee kan tolfamee karoorri waaqummaa Yerootti kan hojjeetuu qaba.

Ta'us, karoorri kun kan nama walii gadi rukutuuf ykn filatamaa kan hin taane. Innis kan hundaa'ee olaantummaa waaqayyootii fi duraan dursee beekuus isaa irratti qofa miti haa ta'uu malee isaan kan hin deeggaramnee jaalalli, aaraarri isaa, fi kan Ayyaana nuuf hin taane amala isaati.

Kan keenya kan warra lixaa (Ameerikaa) dhuunfaa irraa of eeggachuun irra jira, ykn wangeelaawummaa fedha ho'aa wanta Ajahibsiisaa kanaa dhugaan akka irra hin dibamne (akka hin dhokfamnee) of eeggachuu qabna. Akkasumas kan wal-faalleessan Yaadi lama jechuun, seenaadhaaf jeequumsa barumsa waaqayyummaa, kunis Faallaasaa Awugxinoos Pelegiyuus, Ykn Kaalpiniyeezim Faallaan isaa erminiyaaniziim gidduutti.

B. "Dursee murteessu" (*proorizo*, "warra murta'aan fi dursani tolchuu")

Dursa kan murta'aan jaalala waaqayyoo, Ayyaana, fi araara isaa murteessuudhaaf kan godhamee bu'ura amantii miti ykn warra tokko tokkoo wangeela irraa ambisuu miti. Innis amantoota jabeessuu dhaaf malee, ilaalcha biyya lafaa tolchuudhaaf. Waaqayyoo dhala namaa hundumaatiif (1^a Xim 2:4, 2^a Phex. 3:9). Waaqayyoo waan hundumaa hin too'aata. Eenyuuyyuu ykn kamiyyuu isatti adda baasuu danda'aare? (Room. 8:31-39) Waaqayyoo Seenaa hundumaa amma hin ilaala. Namootni yeroodhaan kan murta'aanii dha. Yaadii isaanii tiif dandeediin isaani murtaa'aa dha. Olaantummaan waaqayyoo filannoo bilisaa dhalanama gidduutti jibba hin qabu. Inni qindaa'uma kakuuti. Kunis fakkeenya dhugaat, wal-falmii faallaatiin kan dhiyaateedha. Bu'ura amanti macaafa qulqulluu yaadoota adda addaa irra dhiyaate isaanis Yeroo hundumaa kan dhiyaatan Ayyaahoota (Paaraadooks dha.) dhugaa kan ta'uu warra yaadan lamaan faallaa gidduutti madaallii eeguudha. Faallaa kan araawwannee balleessuun nurra hinjiraatuu, dhugaa sana keessaa tokko baasuudhaan. Dhugaa macaafa qulqulluukaminiyyuu mataa isaatiin gara kutaa adda ta'eetti achi qabuun nurra hin jiru.

Kan biraa yoo dabalamee bu'a qabeessa kan inni ta'uu galma filatamoo mootummaa waaqaa qofa miti, Yeroo duunuu kan nuti argamnu, haa ta'uu malee amma kan ta'u kirstoosiin fakkaachuu dha. (Room. 8:29, Efeso. 1:4, 2:10). Kan filatamnee "qulqulluudhaaf mudaa kan hinqabnee" akka ta'uuf . waaqayyoo kan nu fiateef nu jijjiiruu fi kan biraa immoo jijjramiicha argee amantiidhaan karaa kirstoos waaqayyof deebii akka laatuuf. Murtoon dursaa kennaa dhuunfaa miti, haa ta'uu malee kakuu dirqamaati. Kunii dhugaa keewwachaa isa guddaa dha. Kun galma kirsataanummaati. Qulqulluumaan jaalala waaqayyooti tokkoo tokkoon kirataanaatiif, filannoon waaqayyoo isa fakaachuudha. (Efes. 1:4) ejjannoo biraa Osoo hin taane. fakkeenya Waaqayyoo , innis umummaan namaaf laatama (Seera Um. 1:26, 5:1, 3, 9 :6) deebi'uudhaf.

C. "Bifa Ilma isaa Haa fakkaataniif "galmi waaqayyoo inni dhumaa, kufatiidhaan kan bade fakkeenya isaa deebisuudhaaf . Amantootni kirstoosiin fakkaachuudhaaf dursee murtaa'eera (. Efeson 1:4).

II. Roomaa 9

A. Rom9 olaantummaa waaqayyoo irratti 1^{an} Kakuu Moofaa kan kakuu irratti keewwata cimaadha. (kabira kan ta'uu qabu Efes. 1:3-14), Boqonnaa 10 kan inni lafa kaa'uu filannoo bilisaa namaa ifaa fi irra deddebi'ee ta'ee utuu jiruu ("tokkoon tokkoon isaa" lakk. 4, "Eenyuu iyyuu yoo ta'ee "Lakk 11, 13 , "hundumaa "Lakk. 12 [lammanuu] . Phaawuloosi baruumsa waaqayyummaa kanaa wal-mormii isaa walitti araarsuudhaafii raawwatee Yaalii hin goonee. Isaan dhugaa lamaan! hundeen amanti macaafa qulqulluun baay'een (doktiriin) kan dhiyaatan. Ayyaahoo'Aawwii ykn wal-falmaa lamaanii dha. Baay'een baruumsa waaqayyummaa.

Agoosxinoos fi kaalviinoot, sababa irraa, baruumsa waaqayyummaa irraa seera isaa caalaa, kunis macaafa qulqulluu dursa kan itti yaadamee hiika murta'aa akka ta'uu kan dirqisiisuu.

- B. Dhugaa wal- fakkaataa kanaa (Rom9:23 irratti kan argamu) Rom8:29-30 fi Efe. 1:4, 11 irratti argama. Boqonnaan kun olaantummaa waaqayyoo ibsa jabaa kan qabuu dha, kakuu moofaatti. waaqayyoo kan uumamaa fi itti gaafatamummaa fayyiisuu walii galaa akka qabuu falmiisiisaa miti. Dhugaa guddaan kun cal-jedhamu dhaafii ganamuu raawwatee kan hin dandaa'amneee dha. Ta'uus waaqayyoo fakkeenya isaatti nama uumee wajjin wal- fakkaachuu dhan, kakuu filachuu isaa, madaalli isa eeguu qaba. Dhugumatti sirrii kan ta'u Kakuu Moofaa tokko tokkoo kakuu, akka seera umamaa 15 kan qaban, Haallicha miti kanaaf deebii nama wajjin raawwatee wal- hinqabatu, haa ta'uu malee kakuu biraan deebii nama wajjin haallawwanii dha (fakkeenya Eden, Nohi, Musee, Daawwit). Waaqayyoo uumama isaa oolchuudhaaf karora qaba, namni kamiyyuu karoora kan karaatti ambisuu hin danda'uu. Waaqayyoo, Namoonni karoora kanaan akka hirmaatanii fi fedha isaa heyyameera. Carraan hirmachuu kunis baruumsa Waaqayyummaa faallaa dha, olaantummaa (Rom9) fi fedha bilisaa namaa (Rom10) gidduutti.

Ian cimsa macaafa qulqlluu filatee ka- biraa dhiisuun sirrii miti. Hundee amanti gidduuttimormii qabaata, sababni isaa uummatni warra lixaa dhugaa kan isaan dhiyeessanii faallaa dhaan (Daayaaleektkaawii) ykn wal-faalleessuun lama ta'uudhaan. Hundee bu'ura amanti dirqamattiabuu kan isaan irra jiruu hundee bu'uraa kanbirootii wajjin haala deemuun. Dhugaa ilaalcha guutuu dhaan (fakkii) dhugaa.

III. Efesoon 1

- A. Filamuun ajaahibiisaa hundee amantiiti. ta'uus, inni kan feedhaan waamaman miti, haa ta'uu malee kan ittiin darban, hidhaa, ykn kan biraa oolchuudhaaf mala! kakuu moofaan jechichi fayyadama irra kan oolee dursa fayyinaaf innis tajaajila irraa kan burqee dha. Macaafni qulqulluun raawwatee walitti hin araarsuu, olantumman waaqayyoo fi fedha bilisaa namaa gidduu kan jiruu faallaa kan fakkaatuu, haa ta'uu malee lamman isaa hin jabeessa! Falmii macaafa qulqulluu fakkeenya wayyuu kan nuuf ta'uu Rom9 filannoo olaantummaa waaqayyoo fi Rom10 deebii barbaachisaa dhala namaa (Rome 10:11, 13).

Falmii baruumsa Waaqayyummaa furtoon isaa argamuu kan danda'uu 1:4 irratti. Iyasuusi nama filatamaa waaqayyooti, kanaaf hundumtuu kan filatan karaa isaatiin (kaarlii Paarz). Iyasuusii kan Waaqayyoo "Eeyyee" dha fedha dhala nama kufeef (Parl Paarz). Efe 1:4 akkasumaa hin gargaara dhimmicha ibsuudhaaf, kunis cimsa kan inni kennu galma murtoo dursaa mootummaa waaqayyoo qofa miti, haa ta'uu malee qulqulluumaan (kirstoosiin fakkaachuu). Nuutii Yeroo hundumaa inni booji'amna cina fayyadama Wangeelaa qofaan, itti gaafatamummaa gara cinaatti dhiifneee! waamicha Waaqayyoo (Filannoo) Yeroodhaafiis bara baraafis! Hundee bu'ura amanti dhugaa kan bira wajjin wal-qabatee dhufuu qaba, qophaa isaa, wal-qabataa kan hin qabneee dhugaa wajjin osoo hin ta'iin. Fakkenya gaarii kan ta'uu garee urjii fi faallaa isaa urjii tokko kophaa. Waaqayyoo dhugaa kan inni ibsuu galumsa warra bahaatiin malee warra lixaatiin miti. Daayileektik (Paaradooks) dhugaa bu'ura amanti lama ta'ee falmii dhiyaatan balleessuu hin qabn waaqayyoo akka hin murtoofnee fi faallaa isaa ykn waaqayyoo daangaa murtaa'ee; Fayyina Faallaa isaa jabina iyasuusi Abbaa wajjin wal- qixa ta'uu isaa faallaa isaa iyauusi Abbaa wajjin akka hojjeetu, birmadummaa kirstaanaa faallaa isaa itti gaafatamummaa kirstaanaa, kakuu hiriyyaa, kan kana fakkaatan).

"Kakuu" kan jedhu yadni ijoo baruumsa waaqayyummaa olaantummaa Waaqayyoo fi (innis Yeroo hundumaa ka'uumsa isaa kan fudhatuu fi Yaada mata duree isaa (karoora) kan qopheesse, ka'uumsa dirqamsisaa fi itti fuufeenya kan qabu kan qalbii jijjiirranaa fi kan amanti deebii namootaa. barreffamicha qulquleessuu irraa of-eegadhaa. Kan Ayahoohun (Paaradooks) kan isa tokkoo gar-tokko qofaan fudhachuu fi kabiraa xiqqeessuu! Hundee bu'ura amanti kan ofii jaallatamaa gochuu ykn Seera baruumsa Waaqayyummaa cimina itti kennuu of-eegadhaa.

- B. "Ini nu filate" Efe 1:4 goch darbee ilaalcha giddu galeessaa, innis Abbaa isaatiif jabina kankennu. kunis xiyyaaffannoo kan Yeroo fuul duura kan turee filannoo Abbaa. Filannoon Waaqayyoo murtoo Asilaamootaa bifa kanaan hubachuun hin danda'amu, ykn cabsee kan bahee bifa Yaada garaatiin,

murtaa'oon kan biraa akka mormaniitti, garuu bifa kakuutiin, waaqayyoo ilma namaa kufee fayyisuu fi kakuu galeera. (Seera umamaa 3:15). Waaqayyoo Abirahaamii waame hin filatees, ilma namaa hundumaa filachuudhaaf “seera umamaa 12:3, Seera bahuu 19:5-6). Waaqayyoo mataan isaa ijoollee namaa hundumaa filateera. Amantii kirstoosiitti jiraachuu kan qabatan. waaqayyoo Yeroo hundumaa Fayyinaa fi ka'uumsa hin fudhata (Yohaannis 6:44, 65). Barreeffammni kunii fi Rom9 murtoo dursa macaafa qulqulluu hundee bu'uura amantii ti, awogisxiinoosiif kaalviin ciimsanii kan laatan. Waaqayyoo amantoota kan inni filatee fi fayinaaf (tolaaf) duwaa fi miti, Qulqullummaa irraas malee (Qolasaysi 1:12). Kunis demuu kan danda'uu (1) eejjeennoo kirstoosti qabnnuu dha (2 Qor. 5:21) ykn (2) fedha waaqayyoo, karaa ijoollee isaa amala isaa mul'isuuf (2:10 Rom8:28- 29 Galaati. 4:19). waaqayyoo ijoollee isaatiif fedhiin ini qabuu lachanuuti Guyyaa tokko Mootummaan waaqayyoo fi amma kirstoosiin fakkaachuun keenyaa! “isaan” Efe 1:4 furtuu Yaad-rimee. Eebbaawan Abbaa, Ayyaana, fi Fayyina karaa kirstoos hin dhangala'aa (Yohaannis 14:6). Rogi Yeroo kanaa dabalammu isaa ilaala (bakka argsiisa) Lakk 3 irratti, “Kirstoosiin”Lakk. 4, “isaan”Lakk. 7 “isaan” Lakk 9 “isaan” Lakk 10 “kirsitoosiin” “isaan” Lakk 12, “kirstoosiin” fi Lakk. 13, “isaan” (Lamata). Iyasuus kan waaqayyoo “Eeyyee”dha, mucaa namaa kufee fi (kaarl Paarz). Yasuus Nama filatama dha, akkasumas hundumtuu karaa isaa filatamu. Hundumtuu eebbi Abbaa karaa kirstisoos dhangala'aa. “uumama biyya lafaa dura”Gaaleen jedhuu immoo Maat. 25:34, Yoh. 17:24, 1pHex. 1:19-20 fi Mul. 13:8 Fayyadama irra ooleera. Innis kan argisiisuu waaqa sadan tokkoo hojii oolchuu Seera uumamaa 1:1 dura ta'uu isaati. namoonni galuumsa Yerootiin kan murta'anii dha, nuuyii fi wanti hundumtuu kan darbeedha, ammaa fi kan dhufu dha. waaqayyoo fi garuu miti. Murtoon dursee Galmii isaa qulqullummaa malee carroomuu miti. Waamich Waaqayyoo Ijoollee Addaam kan filataman mirtaawoo dhaaf miti haa ta'u malee hundumaatiif waamichi isaas waaqayyoo ijoollee namatiif akka ta'uu fi kan barbaadee dha, isa akka fakkaatan (1Tosoloonqee 5:23 2Tesoloonqee 2:13) fakkaattii isaa (Seera uumamaa 1:26 -17). Murtoo duraa gara barumsa Waaqayyummaatti yerroo jijjirruu, bakka jireenya qulqullummaa bu'ee gadsisaa dha. Yeroo hundumaa baruumsi waaqayyummaan keenyaa macaafa qulqulluu irraa barreeffama qulqulluu caalaa iyyee dubata. “Mudaa kan hin qabne”ykn “mudaa irraa walaba” jechi jedhu fayyadama irra kan oolee (1) Iyasuus (Ibr 9:14, 1pHexiroos 1:19); (2) Zagaariyaasii fi Elsaabeet (luqaas 1:6) (3) Phaawuloos (Filiphisiyuusi 3:6) fi (4) Hundumtuu kirstaanoota dhugaa dha. (Filiphisiyuus 2:15 1Teseloonqee 3:13 , 15:23). Fedha Waaqayyoo hin jijjiramnee tokkoon tokkoon kirstanaatii, booda irrati mootummaa Waaqayyoo qofa irrati miti, haa ta'uu malee amma kirstoosiin fakkaachuu dha (Rom8:29-30, Gala 4:19, 1Phexiroos 1:2). Amantoonni amala Waaqayyoo biyya lafaa badeettii akka calaqisiisan, hojii wanggeelaatiin. “Jaalalaan” Gaaleen jedhu Haala Yeroon, Lakk kanaan deemuu kan danda'u tokkoon isaa Lakk 4 ykn Lakk . 5 dha. ta'uus, Gaaleen kun bakka kan biraatti fayyadama irra yammuu ooluu, Efeiitti inni Yeroo hundumaa kan argsiisuu namni jaalala inni waaqayyoo dhaaf qabu dha. (3:17, 4:2, 15, 16).

- C. Efeson 1:5 “inn dursee beekke” gaaleen jedhu kan xumuramee kan ammaaAORIST ACTIVE PARTICIPLE. jechi Giriikii kun karoora oolchuuti (luqaas 22:22 Hojii Erg. 2:23, 4:28 , 17:31 Rom8:29-30). Dursa murtoo dhugaa baay'ee gidduu dhaa isaa tokko dha. innis fayyina namoota wajjiin kan adeemuudha. Innis murtoo Barumsa waqayyummaa ykn dhugaa kan biraatiin wajjin walqabatee wal iraa fudhatee dha. inni raawwatee adda bahee jabina kan latu ta'uu hin qabu! Dhugaan macaafa qulqulluu kan inni kennu yeroo dhugaan kan dhugaa hin fakkaanne (Paaradooks) lammanidha. Kan amantaa kutaa tokko, falmii macaafa qulqulluu balleessuu barbaadu, 1^{an} diyaaleektikaawwi dhugaa qofa jabina kennuudhaan dursa murtoo faalleessuun fedha bilisaa namaa fayyina amantootaa faallaa jabina amantootaa, cubbuu jalqabaa faallaa cubbuu fedhaa, cubbuu irraa bilisa ta'uu faallaa cubbuu xiqqoo hojjeechuu, akkuma sanaan kan labsamee qulqullummaa faallaa itti fuufeenya kan qabu qulqullummaa amantaa hojii faallaan bilisummaa kirstaanummaa faallaa dirqama kirstaanaa, daangaa kan hin qabne kan murtaa'ee).

Filannoo Waaqayyoo gocha dursee beekuudhaan miti, haa ta'uu malee amala araara mataa isaatiin (Lakk 9 fi 11). Inni kaninni barbaaduu hundumtuu (Kan adda bahaan Osoo hin taanee, akka Ginoostik ykn akka warra amma Iyyoomee cimsanii kaalpiinootaa) hin fayyu (Isqeel 18-21-23, 32, Yoohaannis 3:16 -17 1Ximitihoos 2:4, 4:10 tiitoo 2:11, 1Ximitiyooos 3:9. Ayyaanaa Waaqayyoo

(Amala Waaqayyoo keewwata kun furtuu baruumsa waaqayyummaati (Lakk, 6A, 7C 9B), akkuma araara waaqayyoo kan biraatiif keewwata murti duraa, Rom9-11 fuurtuu akka ta'ee hundumaa . Mucaan namaa kufee abdiin inni tokkich aayyanaa waaqayyoo fi araara isaati (Isaayas 53:6 fi kan biraa baay'een barreeffamni Kakuu Moofaa Rom3:9-18). Dursa baruumsa waaqayyummaa kanaa Boqonnaan Hiikamee murteessaa kan ta'uu Phaawuloos kan inni jabeessee wantoota kana kenne hubachuudhaaf, isaanis walumaagala hojii namaa wajjin raawwatan kan hin dhageenyee murtoo dursaa (Boqonnaa 1), ayyaana (boqonnaa 2), fi Fayyisuu Waaqayyoo karora bara baraa (dhoksa, 2:11 – 3:2:13). Kun barsiisoota sobduu, hoji namatii fi of tuulummaa kan jedhuu cimsa ijaa bahuun madaallii eeguudhaf.

■ “Farii’oon akka Abbaa na godhee, Mana isaa Hundumaa irrattis gooftaa biyya gibxii hundumaa irrattis itti gaafatamaa na godhe” kun kan fakkaatuu Yooseefii Gibxii kan jiru itta gaafatamummaa Raawwii sadan ibsuudhaaf.

1. Farii’oon wajjin walitti dhufeenya adda ta’ee qba ture. Kunis galmee barreeffama Arkiyooloojii irra ta’eera. Gara boodaattii deebi’ee dhaloota kirstoos fuula dura hanga waggaa 3000. Innis kan argisiisuu muudama isa guddaa Viiziiyeeriiti
2. “Mna isaa hundumaa irratti” kan fakkaatuu qabeenyaa dhuunfaa Fari’oon bulchaa ta’uu isaati (Seera um. 41:40, 47:20 -26)
3. “Gibxii hundumaa hundumaa irraati gaggeessa” kan fakkaatuu bulchiinsa mootummaa
4. irratti walitti dhufeenya inni qabuu ibsuudhaaf (Seera Umamaa. 41:41, 48 - 49, 55 -56, 42:6 -7)

Roland deVaux, *Ancient Israel*, jildii 1fuula 49 kan inni argisiisuu “Abbaa”Jechi jedhu fayyadama irra ooluu kan jalqabee Abboota irraa isa tokkoo fi taayitaa gorsaa guddaati. Abbootni gara warra umuriin bilchaatee sadarkaa sana erga gahaanii booda ijoollee dhaaf barsiisa fakeenya ta’uu turan, kun duraan dursee hojii haadhoolii ture. Bittaa afuuraa, luboota “Abbaa” kan jedhu jecha fudhatan, mataa isaanii ibsuuf (ogummaa barsiisoota ibirootaa fakkeenyaan dabalataan immoo taayitaa kanaa hin fudhatu, akkuma lubootaa Abboota firdii 17:10, 18:19 irratti akka godhan).

45:9 yooseef Obbooloota isaa ajaja baay’eedhaan itti dubate.

- 1 Ariifadhaa, BDB 554, KB 553, *Piel* IMPERATIVE, Lakk. 13
- 2 Deema, BDB 748, KB 828, *Qal* IMPERATIVE
- 3 Bu’aa, BDB 432, KB 434, *Qal* IMPERATIVE
- 4 Hin turiinaa, BDB 763, KB 840, *Qal* IMPERFECT haala JUSSIVE kan itti dhimma ba’ame

45:10 “Biyya geessamis hin teessa” innis Lakk. Isa booda dhufan kun kan argisiisuu kara Yooseefiin ibsa godhame ta’uun isaa sirriitti hin beekamu (46:31) ykn Callisee tiffaktoot bakka jiraatan argisiisuufi ta’aa biyyi geesseemi (BDB 177) kan jiru Abbaayaa irraa gara baahaatti kutaa gara oliitti, gara biyya kanaahanitti dhiyaatee. Innis booda irratti biyya raamsee jedhamee waamameera (Seera Umamaa 47:6, 11). Innis bakka warri Gitsii itti horii horsiifatan turee (Seera umamaa 46:32-34).

■ **“gara kootti”hin dhiyaatta**” Lakkoofsi kun Yeroo baay’ee fayyadama irra kan ooluu akka ragaatti, innis Yooseef kan tajaajilee Fari’oon “mootoota tiksee”, ykn kutaa Haykosos ta’uu isaa, innis gibxiin kan moo’atee, garee xiyyaa fi fardaan kan harkiifamuu konkolaataa. isaanis Gibxii 17:20 -15:80 dhaloota kirstoos dura bitaniiru. Isanis ka’uums isaanii seemoota akka turee ni beekna, kanaafii, kana akka Yooseef kan jiruu seem kan biraan Salphaa ta’aa, taayitaa isaaniitiin ol qabamuu dhaaf. Seenaa Gibxii hundumaa keessatti, uummatni Seemii mootummicha keessatti bakka olaanaa qabu turan. Bittaaan Hyikosos bal’aan magaalaa guddiittii bu’ureeffamtee Taanisitti Ykn Zohaana ture (Far Daawwi 78:12, 43). Kunis biyya Geesseem itti baay’ee dhiyoo ture. ta’uus, dhalootni boodaa Gibxii Fari’oonnoonni magaalaa isaanii maayeelsi 400 gara kibbaatti Teebs magaalaa irratti godhanii turan. Bittaaan Yooseef Gibxii barrii isaa hanga ammaatti beekamaa miti, kanafuu akka walii galaatti raga ta’uu hin danda’uu.

45:12 “Eggaa isinitti kan dubatee afaankoo akka ta’ee iji keessan argeera, kan obboleessa koo kan Biniyaam ijii isaa argeera”gaaleewwan kun hiika sirrii dhugumma kan qabu (tarii hiika hin gargaaramnee

ta'aa), haa ta'uu malee walii galli isaa dhiibbaan dhugummaan isaa qabaneessuu dhaa. Biniyam bifa addaatiin yooseefi wajjiin kan inni walitti fi Romisaani lamaan ijoollee raa'eel waan ta'aaniif. "Afaan koo" gaaleen jedhuu fayyadama irra kan oolee taayitaa akka argisiissuu jecha dhokataa dha. (Lakk 21 hiika Rashi).

■ **"Biniyaam"** Raa'eel jalqabatti "mucaa gaddaa koo" jettee mogaaftee turtee sababni isaa, isaa Yeroo dessee waan duuteef (Seera umamaa 35:18). ta'uus, Yaaqoobi maqaan isaa "mucaa mirga koo" kan jedhuun jijjiireera. Yaaqoob Raa'eelii fi jaalala addaa waan qabuufii sababni isaa, lamaan isaanii Yoosefii fi Biniyaamii isaafi adda turan.

45:13 "Ulfina koo hundumaa" kun jecha Ibraayisxiitiin *kabod* dha (458). Innis hiiki hunde qabeessi (BDB 458 II) "Ulfaataa" dha (41:31, NASB, "jabaa", Seera bahuu 4:10 cimina arrabaa. "

Innis fayyadama irra kan olee waan gatii qabuu dha. kan itti fuufanii jiran fayyadamoota kana ilaali

1. Qabeenyaa, Seera umamaa 31:1, Isaayas 10:3, 61:6
2. Ulfina / fiixaanbahuumsa, Seera um. 45:13
3. Bareedina, Isa 35:2
4. Beela Jabaa, Seera um. 12:10, 41:13, 43:1, 47:4, 13:5
5. Ulfina, Seera Lakkoofsaa 24:11
6. Baay'ee, Seera Um. 50:10, 11 (Jechuun Gadda)

Mata duree Addaa :Ulfina

Kakuu moofaatti baay'ee kan baratamee afaan Ibratiin "Ulfinaa" fi (*Kbd*) dursa irratti madaallii lamaa wajjin kan wal qabate jecha daldalaati ("Ulfaataa ta'uu "). Jechi jabaa jedhuu gati kan qabuu fi kan fayyadu dha. Yaadni Ijoo Ibsaa jechicha irratti itti dabalama, Ulfina Waaqayyoo argisiisuu dhaan (Bau 19:16 -18; 24:17, Isa 60:1-2). Inni kophaa isaa bu'a qabeessaa fi kan kabajamuu dha. Inni ijoollee namaa kufaanii bira gahuu dhaf ajaahibsiisaa dha (Seera bahuu 33:17-23, Isa 6:5). Yaahiween dhugummatti beekamuu kan qabu karaa kirstoos qofa dha. (Yoohaannis 14:8-11, qolasayis 1:19, Ibiroota 1:3).

"Ulfina" Jechi jedhu kan hin kan waliin nama rukutuudha:

1. Tarii inni "tola Waaqayyoo" irraa wajjin kan wal madaaluu dha.
2. Innis tarii kan inni agarsiisuu qulqullumma waaqayyoo irraa ykn "Mudaa kan hin qabnee" wajjindha.
3. Mucaan Namaa kan inni uumamee fakkaatti waaqayyootii wajjin agarsiisa (Seera uumamaa 1:26-27, 5:1, 9:6), haa ta'uu malee ture sababii ammeenyaatiif kufe (Seera Um. 3:1-22). Jalqaba irratti fayyadama irra kan oolee argamuu Yaahuwee saba isaa wajjin lafa onaatti Yeroo Naannaa'annitti, Seera bahuu 16:7, 10, Lew 9:23 fi Seera Lakk. 14:10

45:14 "morma Oboleessaa isaa Biniyaamiitti marmee Boo'ee Biniyaamis Morma isaa irratti boo'ee" bu'aanisaa hiiki Yihuudootaa, Raajii kan hiika ta'ee raas irratti illee, Lakkoofsa Kana irratti argama. Isaan kan jedhan Sababni Yooseefi booyeef Mana qulqullummaa Seeloo jiruu diigameef jedhu, innis booda irratti haala yosef kan ta'uu (Iyaasuu). Sababni Biniyaami boo'eef manni qulqullummaa waan diigameef, innis Iyeerusaaaleem, Dhugumatti qabeenyaa Biniyaam bakka isaa waan tureef. kun kan argisiisuu hiiki yihuudootaa Haalli Seenaa Lakkofsa yoomiif eessaa guutummaan guutuutti akka balleesseef jreenya isiraa'eel tokkoon isaa irratti isaa guddaa ta'ii akka godhee dha.

Macaafa qulqulluu hiika haaraa 45:16 -20

¹⁶Mana Farii'oonitti" obolaan Yooseef hin dhufan jedhu oduun dhaga'amee kun mootichaa fi hojjeetoota isaatti hin tole. ¹⁷Mootiin Gibxii Yemmuus Yooseefiitti dubate, "Wanta obbollooni kee gochuun ta'uu itti himi horii keessan fee'adhaatii deebi'aa gara biyya kana'aan dhaqaa! ¹⁸ Abbaa keessan, Warra mana keessan jiranis fudhaatii na bira kottaa! ani biyya gibtsii keessa isa caaluu isiniif nan kenna, isinis Cooma lafichaa hin nyaattuu jedhi! ¹⁹ dabalaniis waa gochuun ta'uun isaan abboomii, biyya gibtsii keessa ijoolloota keessaniif, dubartoota keessaniifis Konkolaataa fudhaatii abbaa keessaniif fidaa kottaa! ²⁰wanta guutummaatti biyya gibtsii keessati argamuu keessaa inni caaluu kan keessan waan ta'eef waa'een mi'aa keessanii isin hin dhibiin! Jedhe.

45:16 oboloonni isaa kan deebi'an (1) Yooseef eenyuumma isaa erga ibseefii naasuu naasu irra (2) Yooseef irratti kan raawwatamee gocha amaa isaaniif soda waaqayyoo; soda Yooseef mataa isaa.

45:17 -20 kun ergaa Farihoon Yooseef fi, maati isaatiif.

45:18

1. Oboloota keetiin akkas jedhiin, Lak 17, BDB 55, KB 65, *Qal* IMPERATIVE
2. Akkas godhi, Lakk. 17, BDB 793 I, KB 889, *Qal* IMPERATIVE
3. Horii keessan fee'adhaa, Lakk 17, BDB381, KB378, Xiyyaafataa (Jechamni kun Kakuu Moofaa kessaatti asi duwwaatti argama)
4. Gara biyya kana'aan deemaa, Lakk 17, BDB 229, KB 246, *Qal* IMPERATIVE
5. Kottaa (NASB irratti hin argamu), Lakk 17, BDB 97, KB 112, *Qal* IMPERATIVE
6. Abbaa keessanii fi Maatii keessan fudhaa, Lakk. 18, BDB 542, KB 534, *Qal* IMPERATIVE
7. Gara koo kottaa Lakk 18 BDB 97, KB 112, *Qal* IMPERATIVE
8. Biyya Gibxii eebba isaa hundaa isaa isiniifan kenna Lakk 18, BDB 678, KB 733, *Qal* COHORTATIVE
9. Cooma lafichaa hin nyaattuu Lakk 18, BDB 37, KB 46, *Qal* IMPERATIVE
10. Akkas Godhaa Lakk. 19, BDB 793 Lakk I, BDB 793 I, KB 889, *Qal* IMPERATIVE
11. Konkoolaataas fudhaa Lakk. 19, Lakk 6 wajjin jechama wal fakkaatuu dha.
12. Abbaa keessan fidaa kottaa (akka jiruutti fe'aa) Lakk. 19, BDB 669, KB 724, *Qal* PERFECT kan hojii irra oole IMPERATIVE kan hojii irra oole.
13. Kottaa, Lakk 19, Lakk 15 fi 7 wajjiin jechama wal fakkaata dha, bifa xiyyaafataa dhaan kan xumuramee fayyadama irra kan oolee
14. Mi'akeessan hundumaaf hin yaadinaa "akkuma jiruutti ija keessan mi'a keessan irra hin kaawwatanaa" Lakk 20, BDB 299, KB 298, dhiibbaawwan jecha dhokataa wal- dhokataa wal-fakkaataa fayyadama irra ooleera Seera keessa deebi 7:16, 13:8, 19:13, 31, 25:12

Macaafa qulqulluu hiika haaraa 45:21-23

²¹Ilmaan isiraa'eel akkuma jedhamee hin godhan Yooseef Akkuma mootiin Gibxii isaa aboomeetti konkolaataa isaaniif hin kenne karaa dhaaf gala hin laateef Lakk ²² inni hunduma isaanii adda addaan uffata mana kenneef, piniyaamii fi garuu meetii 300 fi uffata mana guutuu 5 hin kenneef ²³ Abbaa isaatiif immoo wanta gaggaari biyya gitsiitti argamuu fee'iinsa harree 10, dabalees midhaanii fi budeena, gala karaattii Abbaa isaatiif barbaachisuus harroota dhaltuu 10tti feesiisee ergeef.

45:21 "Konkolaataa" kuni kan Gixii jecha keessaa Yeroo ta'uu hiikni isaa "kan of irra naannaa'u gaari abbaa gommaa lamaa horii dhaan kan harkiifamuu" jechuu dha. (BDB722, 1Saamu'eel 6:7) innis konkolaataa lola Gibxii hin argisiisuu (BDB 939, 4143). Gaariin Gibxii tti kan baratamaniidha, Sababni isaa lafa wal qixxee waan ta'eef. Isaan darbanii darbanii, akkasumas biyya filxeemootaan hin beekaman, sababa gaaraa fi bu'aa ba'ii uumama biyyichaatiif. Warri filsiixem qarqara galaanichaatti hiriira achi iraa to'achuu kan danda'an sababa konkolaataa sibilaa gargaaramaniif. Ta'uus, kan Isiraa'eel moo'ich durii kan uumamanii biyya gaaraatti, konkolatoni fayyadama irra bakka hin oolleetti gaariin kun biyya kanaa'anitti ilaalchaaf illee kan hin beekamnee ta'uu qabu.

45:22 "Uffata jijjirraa" kun kan argisiisuu wayyaa bareedinaati (jechuun, Sera bahuu 3:22, 12:25), innis biyya lafaa duriitti burqaa qabeenyaa kan ta'aan 1^a dha. Innis oboleewwan isaa isa haaraa bakka aadaa wajjin uffanaa isaanii sirriitti wal-fakkeessa (ramadii Gibxii isa filatamaa wajjin, 41:14). Ta'uus inni tarii kan argisiisuu uccuu haaraa dha. kan adda ta'eef mi'aa kan ta'ee uffata osoo hin taane (jechuun, ruut3:3).

▣ "Biniyaamii fi garuu birrii kuma sadii fi uffata jijjiirraa shan kenneef" Yooseef, namoota hundumaa caalaa, jaalala addaa rakkina kan fiduu gaarii godhee beeka, ta'uus aadaadhaan yoomii fi eessa jaalala addaa dhiiga guutuu dhaan oboleessa isaa (kan haadhaa fi abbaa isaa mucaa) irratti akka godhuu dandeesissera (43:34).

45:23 Yaaqoob Gibxii dhaafii “Namicha” kenna sana akamitti akka ergee yaadadhu, Lak 43:11 irratti, fi ammas Yooseefii Seera aadaa deebi kenneera.

1. Eebba kan baatan harrootni 10 (BDB 375 qindaa’uma BDB 595)
2. Harroota 10 budeenii fi qamadii kan baatan

Wayyoo! Yaaqoobi maaltu itti dhagaa’ama laata, karaa kana hundumaa qabtee yemmuu dhufuu Yeroo ilaalu!

Macaafa qulqulluu hiika haaraa 45:24 - 28

²⁴ “Yoseefis obbolloowansaa gegeese, akkan jeedhen kaaraatti walii keesan hinlolina. ²⁵ Yemmus Isaan biyyaa Gibxii keesa ba’an, biyyaa Kana’anitti gara Yaa’iqoob abba isaani in dhufan. ²⁶ Isaaniis “Yooseef ammallee jira guutama biyyaa Gibxii irraatti isatu seerata”jedhaani abba isaanitti in himaan. Inni garuu na’ee waan jedhuu hin walalee, waan isaan dubbataniis hin amane ²⁷ Haa ta’uyyuu malee, yeroo isaan dubbii Yooseef isaanitti dubbate hundumaa itti himan, biyyaa Gibxii akka isaa fidaaniif konkollaatoota Yooseef ergefis yemmuu arge, lubbuun isatti in deebi’e. ²⁸ Isira’eel yemmuu, “Yooseef ilmi koo fayyaa jiraachuun isa naga’a anni utuun hin du’iin dhaqee isa nan arga jedhe”

45:24 “Akkas isaaniin jedhe karatti waliwalii keessan wal hin lolina”jechamichi (BDB 919, KB 1188, kan hin xumuramne xiyyaafata irrati bifaa fayadama irraa oolen seera uumamaa irraatti fayyadama irrakan oole asi irraatti Macaafa Seera (Peentatihoota) irratti ala-lama irratti dabalata fayyadama irra kan oole) innis wal-faana kan deemu hiikamuu kan danda’u

1. Seera uumamaa 37 irratti gochaan Yooseef irratti fudhataan itti gaaffatamuma irraan kan ka’e (Raashii)
2. Sodaa (Bau15:14, Seera keessa deebi 2:25) maatii isaani wajjin akka deebi’aniif Yooseefis ijaa Ba’uu akka hin fudhanne
3. Biniyaamiis nyaata baay’ee waan kennaameef, yaadi itti fufee jiru (43:34) amma immoo wayyaan dabalataa fi birriin waan kennaameef (45:22)

Innis karaa adda ta’een itti dhaga’ama ture, kunnis Waaqayyoo mataan isaa haloota akka ajajee, gochaa isaani cubbuu hin turee jechuu utuu hin taane (42:21, 28, 44:16), haa ta’uu malee Waaqayyoo akeeka gudda akka qabu ture lakk. 5, 7, 8, 50:20, Hojii Hergamoota 7:9). Waaqayyoo akeeka isaatiif ammallee ni gargaara (Hojii ergamoota 2:23).

45:26 “Inniis laphee isaatti ni na’e”sagalleen kun inni guddaan kan inni jedhu “sababa qorraa adoodu”dha (BDB 806, KB 916 kan hin xumuramne Faarfannaa 77:2, Imbaqoom 1:4). Isaan obbolloowwaan kun abba isaanittiif akka kakatani ifaadha, waggoota dura turaaniif waan godhaani, ammamillee kun adda ba’ee barreefama sana keessaatti yoo argisifamuu baateelle. Aja’ibsisaa kan ta’uu abjuu Yooseef gara dhumaatti raawwata irraa ga’uu isaani dha Yaahiwweni seena beeka ni to’ataas! Sagalleen raajjii abjuu fi rajjiin Macaaf qulqulluu fi kan adda ta’ee raga jabaadha, akkasumaas amala Waaqayyootiif.

■ “Innis isaan hin amane ture”jechamichii (BDB 52, KB 63) is a *Hiphil* PERFECT). Yaa’iqob waa’ee du’aa Yooseef immoo isaan hin amane ture (37:31-35). Ijoolleen Yaa’iqoob yeroo hundumaa isa sobu, kanaaf isa kana kan itti dhaga’ame! 15:6 irratti mata-duree adda ilaali.

45:27 “Kan Yaa’iqoob kan abbaa isaani jireenyi lubbuu isaa ni haroofta”kun agarsisuu kan barbaadu Yooseef du’ee erga jedhamee asitti, Yaa’iqoob akka gadi qabameef isa duraa nama ture akka hin taanedha. Al tokko tokkoo mucaan jallaatan du’ii maatiinsa akka hin jajjaabane godhee sadarkaa dhuma irraan ga’uu danda’a.

45:28 Aja’ibsisaa kan ta’u lakk. ²⁷ irratti, abbaa “Yaa’iqoob”jedhamee waamamera, kunniis jireenya isaa isa durii ibsuudhaaf laak. ²⁸ irraatti garuu maqaan isaa haaran “Isira’eel “jedhamee waamameera, kun ta’uu kan danda’u (1) kan haara’ee haala, Waaqayyoo irratti amantii innii qabuufi Yooseefi wajjiin kan walqabsisuu kakuu Waaqayyoo abdii yookaan (2) Yaa’iqoob waligalaa saba kakuu murtoo xuquuf waan ta’ees sababa kanaaf.

“Isira’eel “kan jedhuu maqaan hiikuudhaaf yeroo hundumaa rakkiisadha. Tokkoo tokkoo Seera uumamaa 32:28-29 irratti kan hunda’an karoora yaadati:

1. “E/hin tursa”

2. “*Elni eega*”
3. “*Elwajjiin bittuu*”
4. “*Waaqa duraa taa’a*”

Mataduree addaa 32:28 irra jiru ilaali. Anni maqaa gara garaa burqaa adda addaa irraa kan argisisuu natti hin fakkaatu (jechuun, J. E. D. P)! Inni sirriin hundee jechaa kamiyyuu haa ta’uu, maqaan kun saba waaqayyootiif waamicha ta’eera. Dhaloota Kiristoos fuula duraa 9:22 irraa asitti kan jiruu inni kan argisisuu warra kaaba gosa kurnan qofa. Dhaloota Kiriistoos fuulduraa deebi bojuu booda, akka qwali gallaati saba Waaqayyoo ammas maqaa wamama ta’eera.

Yaa’iqoob deebi kan laate karaa afuriidha.

1. haa ga’u, jechama hin qabu (BDB 912 I)
2. Mucaan koo Yoseef amma iyyuu lubbuudhaan jira, goochmnni hin jiru
3. Nan dhaqa, BDB 229, KB 246, *Qal* COHORTATIVE
4. Isaas nan ilalaa BDB 906, KB 1157, *Qal* IMPERFECT haala COHORTATIVE kan hojii irra oole

SEERA UUMAMAA 46

HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

NASB	NKJV	NRSV	NET	NJB (follows MT)
Yaaqoob gara Gibxitti socho'e	Adeemsa gara Gibxiitti	Yaaqoob Yaaqoob Gara Gibxiitti	Yaaqoobii fi maatiin isaa	Yaaqoob gara Gibxii
46:1-4	46:1-7	46:1-4	46:1-2	46:1-5
46:5-7		46:5-7	46b-46:3-4	46:6-7
Gara Gibxii kan dhufan	46:8-15			Maatii Yaaqoob
46:8-27		46:8-27	46:8-15	46:8
	46:16-18		46:16-18	46:8-15
	46:19-22		46:19-22	46:16-18
	46:23-25		46:23-25	46:19-22
	46:26-27		46:26-27	46:23-25
	Yaaqoob Gesemiir qubate	Yaaqoobii fi ijoolleen isaa Gibxiitti galan	Yaaqoobii fi maatiin isaa	46:26-27
	(46:28-47:12)	(46:28-47:12)	(46:28-47:12)	Yooseef nagaadhaan
46:28-34	46:28-34	46:28-34	46:28-30 46:31-34	simate
				46:28-30 46:31-34

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula xxiv irraa ilaali)

SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAH ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

ILAAALCHA QABIYYICHAA

- A. Deemsi isaa gara Gibxi jaalala isaa akka ta'e beekuuf Yaaqoob YHWH gaafata. Inni kun kan ta'uu danda'u sababni isaa.
1. Akkaataa aadaa maatii isaa keessatti Abrihamiitti kan dubbatame waa'ee Yihudoonni garbummaadhaaf gara Gibxii dhaqanu yaadateera Uma 15:13-16.
 2. Inni hin yeela'e sababni issaa Yisaaq gara Gibxii akka hin deemne dhowwameera.
 3. Biyyaa kakuu isaas dhiisee deemuuf fedhii hin hin qabu.
- B. NKJB yaadannoo jalatti (Niilsaan, 1982) garagarumaan maqoota tarreesera, barreefama kanaaf lakkoofsa 26 fi Macaafa seena isa 1a 4 fi 7 kan jiran

Asitti Seera lakkoofsa/Macaafa seena

Asitti	Seera lakkoofsa/Macaafa seena
1 Jeemu'eel, lakk.10, Ba'u 6:15	Nemu'eel, lakk.26:12, 1 ^{ffaa} seena 4:24
2 Ohaad, lakk.10 (tarreefama adda irratti hin argamu)	
3 Jaakiin lakk.10	Jaariib, 1 ^{ffaa} seena 4:24
4 Zoohaari lakk.10	Zeeraahii, macaafa seena isaa dura 14:24
5 Puuvaahii lakk.13 seera lakk.26:13	Puu'aahi seena isaa dura 7:1
6 I'oobi/Iyoob, lakk.13	aashuubi seera lakk. 26:24 Seena isa dura 7:1
7 Ziifii'oon lakk.16	Zeefoon, seera 26:15, LXX
8 Iziboon laak.16	Hooziin seera lakk.26:16
9 Oroodii lakk.16	Orood, seera lakk.26:17
10 Hupiim lakk.21	Huufaam seera lakk.26:39
11 Huushiim seera lakk.23	Shuuhaam seera lakk. 26 42
12 Jaahizeel lakk.24	Jaahiziil, Macaafa seena isaduraa 7:13
13 Shiilaam lakk. 24	Shaaluum macaaf seena isa dura 7:13

- C. Gudunfaa ajaa'ibsisaa kara adda adda qabu, kunnis Yaahiwwee seera Uumama irratti mata isaa kan of ibse, Niidoot, keyyaata 4, fuula 354 irratti argama.
- 1 Jechawan, 12:13; 13:12-13; 22:1-2
 - 2 Mul'ata, 15:1-6; 46:2-4
 - 3 Abjuu, 20:3-7; 28:12-15; 31:10-13, 24; 37:5, 9
 - 4 Mul'achuudhaan/ibsa, 12:7; 16:7-14; 17:1; 18:1;26:2, 24; 35:1, 9; 48:3
 - 5 Ergamaa Waaqayyoo, 16: 7-13; 18:2, 16, 17-33; 21:17-19; 22:11-12, 15-18; 31:11, 13; 48:15-16

Anaaf wanti dinqisisaan, Waaqayyoo maatii adda kana wajjiin karaa hundumaan walitti dhuufeenya gochuu yaalu isaa, karama sana mata isaa biyyaa lafaa guutumatti mulise. Waaqayyoo walittii dhuufenya godha jira! Waaqayyoo mataa isaa mul'isa isa mul'isa jira!

QO'ANNOO JECHAA FI GAALLEE

Macaafa Qulqulluu Hiikaa Haaraa 46:1-4

¹ kana irratti Isiraa'eel waan qabuu hundumaa fudhatee ka'e, Beersheeba dhufee Waaqayyoo isa kan Isi'aqii abbaa isaatiif haarsa qalma in dhiyeese ² Waaqayyoo mul'ata halkanitti Isira'eelitti, "Yaa'iqoob, Yaa'iqoob" jechaa dubbate; inni immoo, "kunnoo asiin jira" jedhe. ³ Gooftaan, "ani Waaqayyoo isaa kan abba keetiti; Ani achitti saba guddaa akka atii taatu wanaan godhuufi biyyaa Gibxii gadi bu'ii hin sodaatiin! ⁴ Ani sii wajjiin biyyaa Gibxitti gadi nan bu'a deebisees ol siin fida; yemmuu ati duutuu yooseef ija kee walitti siif qaba jedhe"

46:1 "Isira'eel immoo kan isaa kan ta'ee hundumaa fudhate ka'ee gara Beersabe dhufre" walumatti qabati, seera uumamaa 37:14 yeroo kanaa jalqabee Keebironniin kan inni jiraate, amma immoo asii magaalaa kibbaa irratti Keebron irraa garra kibbaati tilmaaman ma'elsii 25 fagaati, bishaan boolla adda bakka sana dhaabachuuf seera

uumama 21:22-31 fi 26:33 hundee jechoota adda adda ta'an lamaadha "Beersaabee" jechii jedhuu (BDB 92). Bakki kuni adda kan ta'e abbummaan kan wal-qabatu Abirahamii wajjiin ture (Seera uumama 21:31-33, 22:19) fi Isi'aaqi (Seera uumama 26 24-25; 28:13).

Yaa'iqoobi kan walitti qabee hunduma hin fudhata (lakk. 5-7). Issaf gar Gibixitti nannaa'uun isaa isaaf bakka dhaabatadha.

■ **"Waaqa abba isaa Isi'aaqiif haarsa dhiyeese"**aja'ibsisaa kan ta'u haarsa yeroo hunduma kan dhiyaatu Waaqayyoo abbootatti mul'ataan yeroo mul'atudha, asitti garuu Yaa'iqoob Waaqayyoo irra mirkanefachudha kan inni barbaade, gara Gibixitti nana'uu isaa kan ilaalate. Kun ta'uu kan inni qabu

1. Innis aada maatii isaa yaadate, kan Yihudoota garbumaa Gibixitti bitamuu innis seera uumamaa 15 iinnis Abirahamiif 15:13-16
2. Innis sodaate ture, sababii isaa Isi'aaqi gara Gibixii akka hin deemne dhowamee ture
3. Innis biyyaati abdi mata ihsee gadi-dhiisuuf fedha hin qabu ture

"Kan abba isaa Isi'aaqi" gaalleen jedhu karaa Yaa'iqoob kan jiruu amantiin dhuunfa hir'ina kan agarsisuu miti, haa ta'uu malee kakuu isa durii kakuu cimaa Waaqayyoo kan kennuudha, innis Abirahamiin Uriidha kan waame fi biyyatti abdi Kana'aniif kan keneefidha.

46:2 "Waaqayyoo Isira'eeliiti halkaan abjutti itti dubbate"ammamillee yoseef nama dhugaa yoo ta'eyyuu, duratti kan jiran boqonnaan seera uumamaa, Waaqayyoo kalaattidhaan itti dubbanne, akka abba isaa Yaa'iqob akka godhe. Kanaaf, isaan kun gara boodaati boqonnaan seera uumamaa gara ramaddi gurgurdaatti qoqodaamu isaa baay'ee sirridha, isaaniis jireenya Yaa'iqoob kan ilaalatan. Kun isa dhumaa kan Waaqayyoo abbummaa mul'ata halkanitti.

■ "Yaa'iqoob, Yaa'iqoob" Kun mallattoo gara laafumaatti (22:11).

■ "In owaate" kun kan barratameedeebi dhokkatadha, Waaqayyoo tokkoo yeroo waamuu (22:1, 7, 11; 18:27:1, 18, 31:11; 37:13; 46:2).

46:3 "Waaqa Kan abba kee ana" Kun waamicha kakuutti (26:24; 28:13; 43:23). Innis akka jiruutii kana inni jedhuu "Eel, kan abba kee Eelohiim". Eel (BDB42) maqaa wali gala Waaqayyooti, bu'aadhaan (kan durii ba'a dhihoo), innis "jabaa ta'u" hundee jedhu irraa dhufe, akkasumas kansa bifa lakkofsa baay'een (Eelohiim BDB 43) innis bifa karaa biraatiin kan dursan kutaa sera uumamaa fayyadama irra oolera, Waaqayyoo akka uumaatti ibsudhaaf. Mata-dure addaa: maqaa waqumma 12:1 iratti ilaali.

■ **"gara Gibixiti gadi bu'uu hinsodaatin"** tokko tokko sodicha kan isaan ilaalan (BDB 431, KB 432) kan hinxumuramin bifa dhibbaan kan gale) wal fakaachuu kan danda'u

- 1 Aadaa maatummaa, Abraahaam uumaama 15:13-16 mul'ata ilaalame wajjinkan wajjin adeemudha
- 2 Isi'aaqi gara Gibixitti akka gadi hin buune dhorkamu isaa (26:2)
- 3 Biyyatti kakuu gadi dhiisuuf utuu hin sodatiin

Waaqayyoo bira ergabaay'ee qabu, jecha kana kan qabatan, 15:1:21:11; 26:24; 46:3).

■ **"Achitti saba guddaan sii godha"** kun raga haaradha duraan durse Abirahamitiis ta'ee Isi'aaqitti kan hin mul'atne. Kunnis kan argisisuu Waaqayyoo Abirahamiif 12:2; 17:4, 6, 20; fi 18:18 abdiin kenname traawwata yeroo ta'u, innis kan ibsu sanyii Abirahaam akka urjii Waaqarra, akka cirachaa galaana fi akka hawaara lafaa akka ta'udha.

Waaqayyoo maatii Yaa'iqoobi wajjiin wal-qunamuun uumamaan akka baay'ataan isaan dandeesiseera (Seera ba'u 1), kansa Yaa'iqoobi wajjiin wal-arguun Kaaranitti horii bubureedhaa fi lakkoofsi isaani harifate akka dabaluu dandeesiseera. Lakkooftaan baay'achuun eebba Waaqayyoo mallattoo isa tokkooffadha. Kun haaritidhaan wal-huruudha isaa boodee motumaa Gibixii wajjiin rakkina kan uume (jechuun Seet I, Ramisees II).

46:4 "Ani isiini wajjiin gara Gibixitti gadaan bu'a" Waaqayyoo qaaman argamuunsa kakuu isa guddadha. Innis kan argisisuu kan Waaqayyoo ka'umsa amalaa oolchu isaati (Seera uumamaa 26:3, 24; 28:15; 31:3; Faarfannaa 23:34, 139:7-12). Kun qinda'umaa kan yeroo (gaallee) kun Ibirootaan rajjeefanadha (akkuma itti fufuu hunduma)! Innis immoo kan argisisuu Yaahiwwa Ka'aanitti akka hin murtoofne argisiisa. Inni Waaqa biyyaa lafaatti (jechuun, Seera keessa deebi 32:8).

■ “Achiirraas immoo ani sirrimatti deebise isiinan baasa Waaqayyoo biyyaa Kana’aan abboota keessaniif kakuu galeera haa ta’uu malee Yaa’iqoob dhaabatatti gara Gibxii buufachuudhaaf. Abdii Waaqumaatti, Isira’eelooni gara Kana’anitti akka deebi’an (15:16, 28:15).

■ “Yooseefiis harka isaa ija keera in kaa’a”kun ifatti jecha dhoksa Ibirootati, yeroo du’atti kan jaallatan wal-arguu isaani kan ibsu (seera uumama 50:1), yeroo hundumaa kan inni ittin wal-qabatee yeroo du’atti baallee ijaa harkaan walitti qabu.

Macaafa Qulqulluu Hiikaa Haaraa 46:5-7

⁵Yaa’iqoob Beershabaadha in ka’e ilmaan Isira’eeliis Yaa’iqoobiin abba isaani, ijoolloota isaani, dubbartoota isaani konkoolloota ittin akka deemaniif mooti Gibxii ergeef in yaabsisan ⁶Yaa’iqoobii fi sanyiin isaa hundinuu wali wajjin horii horatan, qabeenya biyyaa Kana’aanitti argataan hundumaas fudhatani gara biyya gibxitti in dhaqan. Yaa’iqoob akkasitti ilmaan isaa, ilman ilmaan isaa, intaloota isaa, intaloota ilmaan isaa, sanyii isa hundumaas fidee biyya Gibxi in dhufe.

46:7 “Ijoollee dubaraa isaa fi kan ijoollee ijoollee dhiira isaa ijoollee dubartoota”beektooti kan aja’ibsifataan kan jechuun Diinaa irraa kan biraa ijoollee dubartoota dabalata akka qaban, yookaan kun kan argisisuu yookiin intaloota durbaa kan ijoollee isaa ta’a.

Macaafa Qulqulluu Hiikaa Haaraa 46:8-27

⁸Eega Waaqayyoo malee, isiintuu as na erge miti, inni mootichaaf abbaa man isaa hundumaa irratti gooftaa guutumaa biyya Gibxii irraattis bulcha biyya na godhe. ⁹“Amma aritiidhaan gara abbaa kooti ol ba’aati ilmi kee Yooseef Waaqayyoo guutuma biyya Gibxi irratti gooftaa na godhedheera kanaaf hi turinitti ana bira kotu. ¹⁰Ati biyya Gosheen in teessa, ati ijoolleenkee, ijoolleen ijoollee kee, busha’een kee, saawwaan kee, wanti atti qabdu hundinuu anatti in dhiyaatu” ¹¹Ammallee waggoo beela shani waan hafaniif ati warri mana kee keessa jiraniis wanta qabdan hundumaa dhabdani akka hin hiyyomneetti ani achitti waan barbachiisu akka argatuu nan godha siin jedheera jedhaati itti hima. ¹²Ammas ani afaan kootiin kana akkan isinitti dubbadhu iji keessan argeera. Ija obbeelleessa koo Biniyaamiinis argeera. ¹³Eega ulfina guutuu ani biyyaa Gibxii keessaatti qabuu waan argitaan hundumaa abba kooti hima. Dafaati abbakoo as fidaa jedhe. ¹⁴Kana boodee morma obboolleessa isaa Biniyamitti kufee itti bo’e Biniyaamiinis mormaa isaa irraatti morme in bo’e. ¹⁵obboolloota isa hundumaas dhudhungatee isaanitti marmee in bo’e. obbollooni isaa kana boode isaa ajjiin in hasa’aan ¹⁶Oduun “obboolloni Yooseef in dhufan”jedhu mana mootichatti in dhaga’aman kun mootichaa fi hojeetoota isaati in tole. ¹⁷Mootiin Gibxii yemmus Yooseefitti dubbate wanta obboolloni kee gochoon ta’uu itti himi. Horii keessan fe’adhaatti deebi’a gara biyya Ka’anaan dhaqa. ¹⁸Abbaa keessan warra mana keessan jiraaniis fudhadhaati na bira kotta. Ani biyyaa Gibxii keessa isa caalu isiiniif nana kenna. Isiiniis cooma laficha in nyaatu jedhi. ¹⁹ADabalaniis waan gochuun ta’u isaan abboome. Biyyaa Gibxii keessa joolloota keessaniif dubartoota keessaniif konkoollataa fudhadhaati abba keessan fidaa kotta. ²⁰Wanta guutumaa biyyaa Gibxii keessatti argamu inni caalu kan keessan waan ta’eef waa’ee mi’aa keessani isiin hin dhibbiin jedhi. ²¹Ilmaan Isira’eel akkuma jedhamee in godhan Yooseef akkuma mootiin Gibxii isa abboomeetii konkoollatam isaanif in kennee karadhaafiis gala in laateef ²²INni hundumaa isaaniif adda addaan uffata mana kenneef Biniyaamiif immoo garuu meetii dhibbaa sadii fi uffata mana guutuu shani in kenneef. ²³Abbaa isaanittiif immo wanta gagarii biyya Gibxitti argamu fe’isaa harree kudhan daballees midhaaniifi budeena gala karaatti abbaa isaatiif barbaachisuus harroota dhaltuu kudhanitti feesisee ergeef ²⁴Akkasitti obboolloota isa in erge yeroo isaan kara irra bu’aniis karaatti immo dubbii walitti in kaasina isaaniin walitti kaasinaa isaaniin jedhe. ²⁵Yemmuus isaan biyya Gibxii keessaa ba’aan biyyaa Kana’aanitti gara Yaa’iqoob abbaa isaani in dhufaan. ²⁶Isaaniis Yooseef amaltee jira guutuma Biyyaa Gibxii irratti isatuu seerratta jedhani Ya’iqoob abbaa isaanitti in himan. Inni garuu na’ee waan jedhuu in walalle waan isaan dubbataniis hin anmane. ²⁷Haa ta’u iyyuu malee yeroo isaan dubbii Yooseef isaanitti dubbaatte hundumaa itti himan biyyaa Gibxitti akka ittiin isa fidaaniif konkoolloota Yooseef ergeefiis yemmuu arge lubbuun isatti in deebi’e.

46:10-24 lakkofsoon Kun sera lakofsaa 26 fi 1^{faa} seenaa baraa 4-7 bayyee wal fakaataa dha. Isaan lamaan tarreefami kabiroogaraagarummaa qubee in qabatu, akkasumasi bifa tokko tokkoon maqoota addaa addaa qabaata.

Yaada qabiyee barreefaam, ilaali. Ani kanan amanu, inni mullachu kan danda’u seera adaatin yookaan, namooti kutaa yeroo kanaa kessa maqaa lama akka qabatanii dha.

46:10 “mucaa kanaa’an saa’ul”namni kun itti dabalammu isaatiin wal falmiin hedduun godhamera. Sirummaa akka hinqabne ifaadha. Rashii kan jedhu mcaa diinaa, Seekami irraa kan dhalatee (Seera uummamaa :haarii :80).

4612 Lakk 10-27 hinta’aa jedhamee kan yaadamuu Yaa’iqoopii wajjin gara Gibxii tarreeffama namoota dhufaniit, haa ta’uu malee ijoollee Yuhudaa lamaan kan warra du’anii mogaafama (jedchuun, Heer fi Haawunaan, Seera umam. 38:7, 10) kan inni argisiisuu tarreeffamni kun kan inni itti dabalamee kan yeroo biraa irraati. Sirri miti jechuu miti, garuu qaamni galuumsa barreffama kanaa miti jechuu dha.

46:13 “Yoobi” tarreessittoonni baay’ee kan isaan tilmaaman kun “Iyoobii” jedhamee akka dubisfamuu dha. (רִיבֹּי), haa ta’uu malee 1 seenaa 7:1 fi Seera Lakkoofisa 26:24 irratti maqaan isaa Jaashub dha (רִישׁוּב).

46:15 “Dhiirroonis dubattoonnis ijoolleen isaa hundumtuu lubbu 33 turan”Lakk 13, 18, 22, fi 25 hundumtuu kan isaan tarreessan heda’aama walii galaati, Maatiin Yaayiqoobi Rammaddi adda addaa .

- 1 Lakk 15 irratti ijoolleen Liyaa Dhiiraa fi dubartootaa arganna
- 2 Lakk 18 irratti tajaajiloota Liyaa ijoollee Zaalfaan dhiiroota arganna
- 3 Lakk 22 irratti ijoolle Raa’eelii Dhoorawwan arganna
- 4 Lakk 25 irratti Tajaajilaa raa’el iJoollee dhiiraa Baalaan arganna

Isan walii gala firoonni kun Lakk 26 irratti argama “namoota 66”kan jedhu, fi Lakk 27 irratti “Saabaa”, kan jedhu un jechuun.

Wal falmii baay’een godhameera, isaAn Lakk. Lamaan kunii tarreeffamicha wajjin akkamitti akka walii wajjin deeman war tokko tokko kan jedhan, gurraacha “Saabaa” mucaan durbaa ishee diinaan Yeroo itti ida’aamtuu, lakk 15, “Saabaa tokko” ta’a, Heerinaa Haawunaan Laak 12 irratti Yeroo Hi’ratan, akkasumas Yooseef fi Ijoolleen isaa lamaan yeroo hir’atan Ifireemii fi Minaaseen (Lak 27. Kan biran kan irra dhaabbachisan, Lakk 26 irratti kan jiru “Jahatamii jahaa”Yaa’iqoob, Yooseefii fi ijoollee isaa lamaan Yeroo itti ida’aama “saabaa” ta’a. Aja’iibsiisaa kan ta’I Hojii Erga. 7:14 Isxifaanoos Saabaa kan jwdhuu namoota shan maqaa dha’uu isaati. Haa ta’uu malee, Lakk kun kan dhufee warra Sapto Hajeenti irraati, innis walumaa gala Ijoollee Ijoollee Yooseef Shnan kan dubatuu dha. Gleason Archer, *Encyclopedia of Bible*

Difficulties, Fuula 378 -379, *Hard Sayings of the Bible*, Fuula 521 – 522tti.

46:17 “Obboleetii isaani Seeraahii” itti dabalamuun mucaa kanaa kan inni argisiisuu tarreeffamichi walii gala ta’uu isaati. Inni tarii, maatii kanaafii ijoollee dhiiraa baay’ee horuu isaati, ijoollee dubartii irra caalaa.

46:20 Yooseefii dubartii Gibxii kan isaan deessee Ijoollee lama qabdii. Isaan iojoollee lamaan kun Yaa’iqoob akka ijoollee isaatti hin guddatu, kunis Lakk. Walii gala ijoollee 13 iin isaan gaha.

Innis kan inni fakkaatuu Yoseef dhaala dacha akka kennamuufii dha, kunis Yeroo hundumaa ilma hangfaafii kan ta’uu, haa ta’uu malee inni gaggeessaa maatii ta’uudhaafii Aboon hin laatamneef. kun inni dhiifameef Yihuudaa dhaaf, Ijoollee Liyaa 4^{ffaa}. Funii kan hin baratmnee murto kan argisiisu Waaqayyoo maatii kakuu irratti gaggeessaa ta’uu isaati!

Efireem Guddaa, Baay’ee Cima Kaaba kanahaanotaa Gosa ta’a, Yihuudaan immoo Guddaa dhaaf baay’ee cimaa gosa kibbaa ta’a

LXX Lak. kanaa wajjin kan wal-qabatee tarreeffama sanyii babal’atee qaba. Beektoonni tokko tokkoo kan isaan Yaadan, inni maastiitti ta’ee jedhee akka hirkatee dha, seera kessa debii 32:8 Sababni isaa (UBS, *Preliminary and Interim Report on the Hebrew Old Testament Text Project*, 70).

46:21 “Ijoollee Biniyaam” Ijoollee Biniyaam asitti tarreeffamniiru haa ta’uu malee tokko isa kanaa macaafa 1Seenaa 7:6 wajjin Yeroo wal bira qabamuu ijoollee sadi qofa kan isaan maqaa dha’aan. Tarreessitoonni tokko tokkoo kan jedhan asi irratti kan tarreeffaman ijoollee ijoollee isaaniiti (Seera Lakk. 26 :38-40 Iseenaa 7:6, 8).

46:26 “sanyii jilba isaa keessaa bahaan” tarreeffamni kunii kan waliin nama dha’aan kan inni fakkaatuu

1. Duraan dursanii kan du'aan maqaa ijoollee du'aanii waan dha'uufi
2. Maqootni tokko tokkoo kan baay'eeti kanaaf ta'uu kan qaban gaggeessaa gosaa warra boodaatiif
3. Biniyaam, Lakk. 21 irratti, ijoollee 10 akkanii dha Aadaa isaaniitti kan beekaman bakka bu'aa sadii.

Macaafa Qulqulluu Hiikaa Haaraa: 46:28-34

²⁸ Yooseef dhufa isaanii warra gooshamiitti hime akka qopheessuufi, Yaa'iqoopii of-Dura Yihuudaa gara isaatti erge Yaa'iqoopii fi Maatiin isaa akkasiitti gara Biyya gosham dhufan ²⁹ Yemmuus Yooseef Konkolaataa isaa fe'atee isiraa'eeliin abbaa isaa simuudhaaf gara gosham dhaqee inni abbaa isaa YEROO argee Morma isaatti kufee Yeroo dheeraa dhaaf hin bo'ee 30 isiraa'el Yooseefiin “Ani amma fuula kee argee fayyatti jiraachuu kees ergan beekke yoon du'ee iyyuu du'ee hin jedhu” jedhee Yooseefiitti hin dubate ³¹ Yooseefi Yemmuus Obbooloota issaatiin, Warra mana Abbaa isaatiins, “Ani ol- ba'ee m mootichatti nan hima, obbollooni koo fi warri mana Abbaa kootii Warri biyya kanaa'aan turan gara koo dhufanii jiru ³² isaan namoota bushaa'ee tiksaniidha. Duruma iyyuu horii horsiisaa turan amma bushaa'ee isaanii saawwanii isaanii waanuma qaban hundumaas fudani dhufanii jiruu nan jedha ³³ Mootichi isaan waamee, hojiin keessan maali? Jedhee isaaniin gaafata. ³⁴ isin immoo nuuyii garboonni kee warra horii horsiisaanii dha Abboonni keenya akkasuma waan turaniif nuus immoo mcummaa keenyaa jalqabnee amma ammaatti isatti jirra jedha warrii gibxii nama bushaa'ee tiksuu hundumaa waan ciiga'aanii fi biyya goosham taa'uun keessan hin ooluu jedhe.

46:28 “Yihuudaas fuula isaa dura gara yooseefiitti erge”MaaTsitti Jeequumsi tokko tokkoo jira. Kan itti makamee hiiki dhaabbataan, Saptu wajint hordofee, “Geeseemiit akkasimatu fuula isaa dura “kan jedhu jira. kunis kan argisiisuu danda'uu

1. HoE 6:6 irratti tajaajila naannootiif harka isaanii namoota torba irra kan ka'an Ergamoota
2. HoE. 13:3 irratti harka isaanii isaan irra ka'anii Barnaabaasii fi Phaawuloosiin gara tajaajilaatti kan bobbaasan barsiisotaa fi raajota.
3. 1Xim. 4:14 irratti ergamaa fi waamicha Ximootewoos isa calqabaa irratti kan hirmaatan Jaarsolii naannooti.
4. 1Xim. 1:6 irratti harka isaa Ximotewoos irra kan kaa'e Phaawuloos.

Haalli rakkisaa fi bifa adda addaa qabu kun hanqina gurmaa'ina waldaa kiristiyaanaa jaarraa tokkoffaati. Waldaan isheen calqabaa kan dammaqxee fi kennaa hafuuraa amantootaatti dhaabbataadhaan kan itti fayyadamtu turte (1Qor. 14). AK abukaatoo ykn bakka bu'aa Moodela mootummaa ykn sirn muudamaa ta'uuf kan barreeffame miti.

48:15-16 Lakkofsonni 15-16 eebba maatiitiif dabalata dha (Uum. 49) irraatiif dabalata. Eebba Yaaqoob isa duraatiin maatiisaa guutuudhaaf ijoollota Yoseef lamman maqaadhaan hin waamne (49:22-26). Akka lakk. 20 irratti ibsametti eebbi kun haalaan ibsame. Sadanummaa Waaqayyoo yaadadhu. Waaqayyoo kan ilaalamu (1) akka Waaqa abbootaa (2) akka Tiksee fi (3) akka ergamaatti. Lakk. 16 irratti ergamaan ibsame ergamaa Waaqayyoo ta'uun isaa ifaadha. Kanaanis mata duree addaa qaamaan mul'achuu isaa irratti jiru ilaali. (Uum. 16:7-13;18:2; 16;17-21;22-23; 31:11;13; 48:15-16/12:17).

48:15 "Yoseefinis eebbisee" ijoollonni kun lamaan (lakk. 16) eebba abbummaa Yoseef irraa fudhachuun isaanii beekamaa dha (lakk. 15). Uumama 49 Yoseef mirga dhaalaa dacha argachuusaa (49:22-26- kan hangafumma jechuudha) yihuudaan immoo hidda sanyii Masihichaa argachuusaa (49:8-12) mul'isa.

■ **"Kan deemaniif"** jechi kun (BDB 229; KB 246) umuriidhaaf dhoksa guutuu amantii ta'uusaa (17:1) Waaqayyoo abboomeera (5:22-24; 6:9; 24:40; Efe. 4:17; 5:2:15). Waaqayyoo saba amala isaa (addunyaa bade fi homaa hin beekne kanaaf) calaqqisiisan barbaada. Abboonni darban guutummaatti guutuu ta'uu waan hin dandeenyeef Waaqayyoon duratti abboomamuudhaan, qalbii jijjiirannaadhaan akkasumas amanamummaadhaan jiraataniiru.

Karaa biraatiin kaa'uudhaaf jireenyi bara baraa amaloota hubatamuu qaban qaba. Fayyineerra. Yoo duunu Waaqayyo waliin ta'uuf akka kaayyoo Kitaaba Qulqulluutti amma Waaqayyo waliin ta'uudhaaf Kiristoosiin fakkaachuu dha. (Room. 8:2829; Efe. 1:4; 2:10; 4:13). Kakuuwwan Kitaaba Qulqulluu ulaagaalee hedduu qabu.

1. Amantii (jalqabaa fi guyyaa-guyyaan)
2. Qalbii jijjiirraanaa (jalqabaa fi guyyaa-guyyaan)
3. Abboomamuummaa (Tooftaa jireenyaa)
4. Jireenya hundumaatti jabaachuu

Qabxiileen kunis Kees. Deeb. 8:6; 19:9; 26:17; 28:9; 30:16 keessatti ibsamaniiru.

48:16 “Hamaa hundumaarraa na haa oolchu” Jechi kun jecha *Go'el* jedhamuudha (BDB 145 I, KB 169, *Qal* PARTICIPLE, ; Ba'uu 6:6; 15:13). Innis fira isa furameetiif hojiirra oola (Ruut 4:6) ykn kan dhiiga fudhatu (Keess. Deeb. 19:6; Iyya. 20:3). Innis kan inni ibsu waa'ee fira dhihoo ti. Innis kan ijaa baafatu ykn isa kaan garbummaadhaa, Kisaaraa maallaqaatii, ykn hidhaa irraa kan baasuudha, Jechichis kan argamu Ruut. 4:6; Lakk. 5:8; 1Moot. 16:11; Iyoob. 19:25 irratti argama.

Mata-duree addaa: Furuu

I. Kakuu Moofaa:

A. alqabarratti jechoota Ibirootaa lamatu jiru. Yaadi rime kana kana mul'isanis:

1. *Ga'al*, Bu'uurri jecha kanaa gatii kaffaluudhaan “Bilisa Baasuu” jechuudha. Yaad-rimeen jechi Gool jedhuu waan tokko dhuunfaadhaan seenuu; miseensa maatii. Amalli aadaa akkanaa kun mirga meeshaalee, bineensotaa fi lafa (Leew. 25:27) ykn firoottan (Ruut. 4:15; Isaa. 29:22; deebisanii bituu dha. Amalli Waaqummaa isaa Waaqayyo Isiraa'eliin Gibxii furuu isaa mul'isuuf (Kees. Deeb. 6:6; 15:13; Faar. 74:2; 77:15; Erm. 31:11). Kunis Furiu ta'eera jedha. (Iyyo. 19:25; Faar. 19:14; 78:35; Fakk. 23:11; Isaa. 41:14; 43:14; 44:6:24; 47:4; 48:17; 49:26; 54:5:8; 59:20; 60:10; 63:16; Erm. 50:34).
2. *Padah*, (Padah): Hiikni isaas “oolchuu” ykn “furuu” jechuudha.
 - a. Furiu ilma hangafaa (Ba'uu 13:13; 14; Lakk. 18:15-17)
 - b. Furiin foonii faallaa furii hafuuraa ti. Faar. 49:7; 8:15
 - c. Waaqayyo Isiraa'eliin cubbuu fi hammeenya isaaniitti isaan ni fura. Faar. 130:7-8

B. Yaadi-rimeen hafuuraa isaa wantoota walqabatoosadii of keessatti qabata.

1. Rakkina, garbummaa, kisaaraa, hidhaa
 - a. Kan qaamaa
 - b. Hawwaasummaa
 - c. Hafuuraan (Faar. 130:8)
2. Bilisummaaf, gadi-dhiifamuu fi deebi'uuf gatii kaffaluu qaba.
 - a. Saba Isiraa'eliif (Keess. Deeb. 7:8)
 - b. Nama dhuunfaatiif (Iyyoob 19:25-27; 33:28)
3. Inni tokko akka isa gidduu seenuutti ykn gargaartuutti hojjechuu qaba. Akka Gaalitti kun kan ta'u miseensa maatii ykn fira dhihootiin.
4. Yaahiween yeroo mara kan inni ittiin of ibsu jecha maatiitiin.
 - a. Abbaa
 - b. Abbaa manaa
 - c. Fira dhihoo.

Furiin kan inni mirkanaa'u, bakka- bu'iinsa qaamaa yaahiweetiin. Gatii ni baasa kanaaf ni furama.

II. Kakuu Haaraa

A. Yaad-rimeen yaada waaqarraa ibsuuf jechoonni baay'een hojiirra oolaniiru.

1. *Agorazoo* (1Qor. 6:20; 7:23; 2Pheex. 2:1; Mul. 5:9; 14:3-4). Jechi kun jecha daldalaa ti. Innis gatii waanta tokko agarsiisu kan calaqqisiisuudha. Nuti namoota jireenya ofii keenya to'achuu hin dandeenye warra dhiigaan bitamanii dha. Nuti kan Kiristoos.
2. *Eksaagoraasoo* (Exagorazo Gal. 3:13; 4:5; Efe. 5:16; Qol. 4:5). jechi hunis jechuma waa'ee daldalaa ibsuudha. Du'a Iyyesuu bakka-bu'iinsa keenya du'eedha. Iyyesuu gocha seeraa (Seera Musee Efe. 2:14-16; Qol. 2:14) irratti kan hundaa'e abaarsa ilmaan namootaa warri cubbamoota ta'an baachuu hin dandeenye baateera. Innis abaarsa keenya baate (Keess. Deeb. 21:23;)

- hunduma keenyaafis (Maar. 10:45; 2Qor. 5:21) jaalalaa fi furiilyyeesuus ilma waaqayyoo fi araaraa isaa isa guutuutti fudhatamuun ta'eera.
3. *Luo* "Bilisa Baasuu"
- a. *Lutron*, "Gatii baafame" (Maat. 20:28; Maar. 10:45). Jechoonni kun jechoota ciccimoo kaayyoo dhufaatii Isaatii ilaalchisee, fayisaa biyya lafaa ta'uusaa ilaalchisee kan Isaa kan hin ta'in gatii cubbuu baasuudhaaf afaan Iyyeesuus keessaa bahaniidha (Yoh. 1:29).
 - b. *Lutroo* "Gadi-dhiisuu"
 - (1) Isiraa'eloota furuu; Luq. 24:21
 - (2) Saba Isaa furuu fi waamuuf ofiisaa kenne Tiit. 2:14
 - (3) Bakka- bu'aa cubbuu hin qabne ta'uu; 1Pheex. 1:18-19
 - c. Luutiroosiis : "Furuu, Fayisuu ykn Bilisa baasuu"
 - (1) Raajii Zakkaariyaas waa'eee Yesuus Luq. 1:68
 - (2) Galata Hannaan waa'ee Yesuus Waaqayyoof dhiyeessite Luq. 2:38
 - (3) Aarsaa Iyyeesuus Isa fooyye-qabeessaa fi isa si'a tokko dhiyaate; Ibir. 9:12
4. Appoolitiroosiis *ApolytrOsis*
- a. Deebi'ee dhufuusaatiin furamuu (H. Erg. 3:19-21)
 - (1) Luqaas 21:28
 - (2) Rom8:23
 - (3) Efe 1:14
 - (4) Ibrota 9:15
 - b. Du'a Kiristoosiin furamuu
 - (1) Rom3:24
 - (2) 1Qorontoos 1:30
 - (3) Epheson 1:14; 4:30
 - (4) Ibrota 9:15
5. *Antilytron* (1Xim. 2:6). Barreeffamni kun akka Tiitoo 2:14 tti barreeffama murteessaadha. Hiikamuu ykn gadi dhiifamuu du'a bakka bu'iinsaa Iyyeesuus Fannoorratti du'e waliin wal qabsiisa. Inni aarsaa isa tokkichaa fi isa fudhatama qabuudha. Hundumaafis kan du'eedha. (Yoh. 1:29; 3:16-17; 4:42; 1Xim. 2:4; 4:10; Tiit. 2:11; 2Pheex. 3:9; 1Yoh. 2:2; 4:14).
- B. Yaad-rimeen amala waaqaummaasaatii kaku haaraati kan agarsisu
1. Ilmaan namaa garbummaa cubbuutiin qabameera (Yoh. 8:34; Room. 3:10-18; 6:23)
 2. Ilmi namaa garba cubbuu ta'uusaa seera Musee fi (Galaa. 3)lallaba Iyyeesuus isa Gaara irratti lallabameen (Maat. 5:7) ibsameera. Gochi namootaa firdii du'aa ta'e (Qol. 2:14)
 3. Iyyeesuus Ilmi Waaqayyoo inni mudaa hin qabne hoolaa waaqayyoo ta'ee bakka keenya dhufee du'e (Yoh. 1:29; 2Qor. 5:21). Cubbuurraa kan nuti bitamneef akka isaaf hojjennuuf. (Room. 6).
 4. Iyyeesuusii fi Waaqayyo waa'ee keenyaaf kan hojjetan firoottan dhihoodha. Kunis walitti dhufeenya maatummaa ittifufaa taasisa. (Fira dhihoo jechuun abbaa, abbaa manaa, ijoollee, obboleessa)
 5. Furamuun gatii Seexanaaf baafame otuu hin taane karaa araaraa ittiin sagaleen Waaqayyoo fi tolli Waaqayyoo jaalalaa fi guutummaa kennuu Waaqayyootiin walitti araaramaniidha. Fannifamuu isaatiin nagaan argameera; hammeenya namootaa dhiifama argateera; fakkeenyummaan Waaqayyoo (tokkummaa jaalalaatiin) namoota irratti hojjechaa jira.
 6. Gara fuula duraattis furiin Waaqayyoo ni jiraata. (Room. 8:23; Efe. 1:14; 4:30 ;). Kunis du'aa ka'uu foonii keenyaa fi firummaa qaamaa nuti Waaqayyo waliin qabnu of keessatti qabata. Qaamni keenya inni furame qaama Kiristoos fakkaata (1Qor. 3:2). Inni qaama qaba, garuu qaamni isaa kun bifoota baay'eedhaan mul'ata. Yaada dhokataan (1Qor. 15:12-19; 35-59) irra jiru ibsuun rakkisaadha. Foonni qaama biyya lafummaa qabaachuun isaa beekamaadha. akkuma kana wanti Waaqarraa qaama hafuuraa qabaata. Iyyeesuus garuu qaamota lamaanuu qabaata. Yesuus lamaansa qaba!

■ **“Maqaan koos isaaniin haa waamamu”** yaadni kun yaada ilaalcha durii ibsu yoo ta’e illee namni ijoolleesaatiin akka jiraatu ni ibsa (2Saam. 18:18; Niidotee guca 3 fuula 677) ykn immoo baay’ee kan inni ta’uu danda’u amantiin kakuu Yaaqoob gara ijoolloota kana lamaanii darbuu isaati.

Jechoonni dhumarratti lakk. 16 irratti ibsaman kunnin:

1. Eebbisi: BDB 138, KB 159, *Piel* IMPERFECT
2. Haa waamamu: BDB 894, KB 1128, *Niphal* IMPERFECT
3. Haa guddatu: BDB 185, KB 213, *Qal* IMPERFECT

Macaafa Qulqulluu Hiikaa Haaraa: 48:17-22

¹⁷Yoseef yeroo abbaan isaa harka isaa mirgaa mataa Efireem irra kaa’uu isaa arge, kun ija isaatti hin tolle; kanaaf inni harka abbaa isaatii mataa Efireem irraa gara mataa Minaaseetti dabarsuudhaaf ni qabe. ¹⁸Yoseef, “Yaa abbaa ko akkas miti, inni kun angafa waan ta’eef, harka kee mirgaa mataa isaa irra kaa’i!” jedhee abbaa isaatti in dubbate. ¹⁹Abbaan isaa garuu didee, “Anuu beeka yaa ilma ko, anuu beeka, inni kunis guddatee saba tokko in ta’a; haa ta’u iyyuu malee, obboleessi isaa inni quxisuun isa caalaa in guddata, sanyiin isaas saba baay’ee in ta’a” jedhe. **20** Inni guyyaa sana yommuu isaan eebbise, “Warri Isiraa’el ‘Waaqayyo akka Efireemii fi akka Minaasee si haa taasaisu!’ jedhanii maqaa keetiin nama in eebbisu” jedhe; akkas godhee Efireemiin Minaasee dura aanse. ²¹Isiraa’el ergasii Yoseefiin, “Kunoo ani du’uufan jedha, Waaqayyo sii wajjin ta’ee biyya abboota keetii sii in eebbisa. ²²Ani kan obboloota keetii caalaatti gooba lafaa isa ani billaa kootii fi iddaa kootiin warra Amoorotaa irra fudhadhe siif nan kenna” jedhe.

48:17 “Ni gaddisiise” Jechi kun akka hundee jechaatiin (BDB 949 KB 1269 kan hin xumuramin) jecha cimaadha. Wal jijjiirraa kana irratti miira Yoseefiin ibsa. Jechi kun kan inni ibsuu danda’u:

1. Gadduu; Uum. 21:11:12
2. Gammaduu dhabuu; Lakk. 11:10; Iyya. 24:15; 1Saam. 8:6; 18:8; 2Saam. 11:25; Nahi. 2:10
3. Gadda; K. Deeb. 15:10; 1Saam. 1:8 Nah. 2:3
4. Dararama; K. Deeb. 15:9 ;28:54:56
5. Hammeenya; Uum. 38:10; 2Saam. 11:27
6. Gadduu; Faar. 106:32; 2Saam. 20:6

Walumaa galatti, lakk. 2 irra kan jiru galumsa barreeffamichaatiif baay’ee gaariidha. Inni jecha baay’ee cimaa dha. Gocha Yaaqoob irratti Miiiri Yoseef salphaa miti; innis harka Walumaa galatti, lakk. 2 irra kan jiru galumsa barreeffamichaatiif baay’ee gaariidha. Inni jecha baay’ee cimaa dha. Gocha Yaaqoob irratti Miiiri Yoseef salphaa miti; innis harka Yaaqoob naannessuudhaan eebbicha jijjiiruuf yaaleera. Yoseefiyuu fedha Waaqayyoo beekuu hin dandeenye. Abbaan kakuu maatii sanaa Yoseef otuu hin taane Yaaqoob ture.

48:19 “Nan beeka” Jechi kun (BDB 393, KB 390, lama *Qal* PERFECTS) irratti xiyyeeffannoof jecha si’a lama irra deebi’ameera. Yaaqoob wanta godhu (geggeessummaa hafuuraatiin) ni beeka. Walfaallessuun kakuu isaatii garuu akkuma itti fufetti jira.

48:20 “Isiraa’el” “Inni” sarara 1a irra jiru kan agarsiisu Yaaqoobidha. Inni sarara lammaffaa garuu akka waliigalaatti Saba Isiraa’el agarsiisa.

■ **“Waaqayyo akka Efireemii fi akka Minaasee si haa godhu”** kun mallattoo eebbaa kan ta’uudha. Innis faayidaa saba Waaqayyootiif oola.

48:21 “Kunoo ani nan du’a; Waaqayyos isinii wajjin ni ta’a gara biyya abboota keessaniittis isin deebisa”. Ani jechuunsaa cimsee dubbachuu mul’isa sababni isaas Yaaqoob abbaa waan ta’eef. Kunis yaada abbummaa ibsu isa gara biraadha. Yaadni kunis maatii guutuun bilisa ba’anii biyya Gibxiitii akka isaan biyya kakuu isaaniitti deebi’an ibsa. (Uum. 15:12-16)

48:22 “Anis kan obbolootakeetiirra harka tokko caalchiseen siif kenne”. Jechi kun akka afaan Ibirootaatti “Gahee” jechuudha. (BDB1014). Innis maqaa magaalaa Sekem. Akka namoonni tokko-tokko ibsanitti inni kan inni mul’isu teessuma lafaati. Lakk. 22 irra kan jiru kan inni ibsu ajjeefamuu Sekemootaa yoo ta’u inni kun garuu

wanta hin baratamin ykn hin amaleeffatin mul'isa. Sababni isaas yaadni kun akkaataa Seera Uumamaatiingocha qabatamaadha. Warren biroon akka jedhanitti "Gateettii"hiikni isaa ejjennoo cimaa kan qabu jechunis baay'ee ni dhaalu ykn dhaala dacha hangafummaa jechuudha. Warren biroon immoo akka jedhanitti Sekem bakka bittaa dhaala Efireem. Kanneen biroon akka jedhanitti immoo Sekem bakka awwaala Yoseef (Iyya. 24:32). Minaaseen Yordaanos gamaan bakka karaa lamaanuun jiran ni dhaala (Minaaseen dhaala kana argachuuf qomoo isa jalqabaa fi isa qofaadha). Efireem qomoo hundumaa keessaa isa lakkoofsaa fi bal'ina lafaatiin isa guddaa dha. (Yihudaan isa lammaffaadha). Efireem biyyaa Kana'aan kutaa gara kaaba in to'ata; Yihudaan immoo gara kibba to'ata. Geggeessichi Iyyaasuunis gosa Efireem keessaati akkuma Saamu'eel.

SEERA UUMAMAA 49

HIIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA 'E

NASB	NKJV	NRSV	TEV	NJB (follows MT)
Raajii Israa'eel ijoollee isaa ilaallatee	Dubbii Yaaqoob isa xumuraa ijoollee isaaf	Eebbaa Yaaqoob isa kudha lamaan irratti	Dubbii Yaaqoob isa xumuraa	Ibsa Yaaqoob
49:1-2	49:1-27	49:1-27	49:1-27	49:1-27
(2)	(2)	(2)	(2)	(2)
49:3-4	(3-4)	(3-4)	(3-4)	(3-4)
(3-4)	(5-7)	(5-7)	(5-7)	(5-7)
49:5-7				
(5-7)				
49:8-12				
(8-12)	(8-12)	(8-12)	(8-12)	(8-12)
49:13	(13)	(13)	(13)	(13)
(13)				
49:4-15				
(14-15)	(14-15)	(14-15)	(14-15)	(14-15)
49:16-18				
(16-18)	(16-18)	(16-18)	(16-17)	(16-17)
			(18)	(18)
49:19	(19)	(19)	(19)	(19)
(19)				
49:20				
(20)	(20)	(20)	(20)	(20)
49:21				
(21)	(21)	(21)	(21)	(21)
49:22-26				
(22:26)	(22:26)	(22:26)	(22:26)	(22:26)

49:14-27	(27)	(27)	(27)	(27)
(27)				
49:28-33	49:28	49:28	49:28	49:28
	Du'a Yaaqoobii fi awwaalamu isaa	Du'a Yaaqoobii fi Guyyoota xumuraa Yooseef	Du'a Yaaqoobii fi awwaalamu isaa	Guyyoota Yaaqoob isa xumuraatii fi du'a
	49:29-33	(49:29-50:26)	(49:29-50:14)	49:29-33
		49:29-33	49:29-33	49:33

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula xxiv irraa ilaali)

SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAH ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirama gulumoowwan keetii iikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtuudha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadaffaa
4. kkk

QABIYYEE HAALA GALUMSAA

- A. Kun hiikuudhaaf rakkisaa dha. Macaafaa fi barreeffamoonni qorannoo waliif hin galan. Inni Warra Ibrootaadhaan bareeffame sababii rakkisaa ta'uu isaatii
 1. Jecha yeroo yeroo ti
 2. Haala jechoota kallattii hin ta'iniin
 3. Jechama hedduu dhaan
- B. Kan gargaaraa ta'u, siree ciisicha du'aa (deathbed) kana irratti amala qomoo, isaanis ijoollee Yaaqoobi keessaa kan ba'u fi dheerina yeroo keessa amala ijoollee isaa irratti kan adda ta'e beekamu, kan Musee dhuma irratti waa'ee gosoota Israa'eel dubbate Keesa Deebii 33 irra kan jiruu wajjiin wali bira qabani ilaaluun nama gargaara.
- C. Haalotni rakkisoo ta'an hedduun kan jiran yoo ta'e illee, lakk. 10 anaaf ijoo dha. Namootni hiikan, hundee amantii kan ofii isanii ta'e, yookaanyeroo aadaa Wangeelaa, fi barreeffamichi kan jechuu barbaade ilaalchisuudhaan yeroo mara of eeggachuu qabu. Wanti hundi yeroo dubbatamuu fi hojjetamu
 1. Haalli galumsa barreeffamaa
 2. Keewwatni wal ilaallatan
 3. Sammuu qullaa'aan

Dirqamatti barreeffama murteessaa, ijoo fi wallaalchisaa ta'e kana irratti qajeelfama nuuf ta'uu qabu!

- D. Maqaan ijoollotaa kan dhiyyaate haadhota isaanii waliin akkaataa wal qabateedhaan
1. Li'a (akkaataa duraa fi booda da'umsaatiin)
 2. Zilfaa (hojjettuu La)
 3. Bilhaa (hojjettuu Raahel)
 4. Raahel (lachuun isaanii iyyuu, akkaataa duraa fi booda da'umsaati barreeffamaniiru)

QO'ANNOO JECHAA FI GAALEE

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:49:1-2

¹Yommus Yaaqoob ilmaan isaa ofitti waamee, “wanta gara fuula duraatti isinitti dhufu akkan isinitti himuuf walitti qabamaa! ² Yaa ijoollee Yaaqoob, wal ga'aa dhagaa'aa, gara abbaa keessan Israa'el dhaggeeffadhaa!

49:1-2 Gaaleewwan jalqabaa kan irratti ajajawwan jajjabootu jiru.

1. walitti qabamaa, lakk. 1, BDB 62, KB 74, *Niphal* IMPERATIVE
2. dhaggeeffadhaa, lakk. . 1, BDB 616, KB 665, *Hiphil* COHORTATIVE
3. wal ga'aa, lakk. . 2, BDB 867, KB 1062, *Niphal* IMPERATIVE
4. wal ga'aa dhagaa'aa, lakk. . 2, laamaanuu BDB 1033, KB 1570, *Qal* IMPERATIVES

49:1 “Yaaqoob ilmaan isaa ofitti waamee”kun amala abbootaa kan ta'e, eebba walii gala ture. Akka aadaatti kabaja guddaa qaba. Yisihaq Uuma. 27 irratti; Musee Kes. 33 irratti; asuu . 24 irratti; fi Saamu'el 1Samu. 12 irratti. Barreeffamni kun ilmaan La dursisiisuudhaan, ilmaan Raahel immoo dhuma irratti.

Eebba kana irratti wantoota nama wallaalchisan hedduutu jiru. Innis akkaataa jecha kallattiidhaan hin ta'inii dhaan, akkaataa fayyadama jechaa irratti hundaa'ee ti (Uuma. 29:30-30:24). Eebbi kun ilmaan kudha lamaaniif tokko tokkoo isaaniitiif ture.

Yaadni walii gala barreeffama kanaa, Waaqayyo xumura sabaa qofa kan murteessu osoo hin taane, kan nama dhuunfaas ni murteessa (Kallattiidhaan, “bara booddeetti kan isaan argachuuf jiru”)!



NASB “Bara dhufutti”

TEV “Fuula duratti”

Gaalee Kitaaba kanaa keessatti (BDB 31 CONSTRUCT 398) kan itti dhimma ba'ame waa'ee bara dhumaa ti (Lakk. 24:14; Isay. 2:2; Hisq. 38:16), garuu haalli lakkoobsa yeroo sanaa yaada barreeffama kanaa waliin wal hin simu. Barreeffamni kun ilmaan Yaaqoob keessaa gosa sadii qofa kan ibsuu dha (Yoseef, Efreemii fi Minaasee). Kanaaf, inni dirqamatti kan wal simuu kan Kana'aa kan ta'an, isa lolee mu'atu (Iyaasuu) fi qubataa isa ta'e (Yihudaa, Kes. 31:29). lakk. . 10 kan mo'u hidda sanyii Daawwit keessaa akka ta'e kan ibsu yoo ta'e, bara hanga bara bittaa mootummaa isa duriitti jiru ta'uu isaa ti (1 Saamu'el).

49:2 “Yaaqoob, ...Israa'el”isaan wal cinee akka ta'an beekamaa dha. Innis waa'ee hiiktota macaafaa ammayyaa fi tilmaama isaan waan hedduu jedha, isaanis akka jedhanitti maqaan kun lamaan barreessitoota adda addaa nama lamaa akka ta'anii dha (akka Elohimii fi Yaawee). Barreeffamni Ibra durii akkaataa barreeffamaa, jechama, fi ilaalcha ofii isaanii qabu!

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:49:3-4

³ “Ruuben, ati dhala koo isa angafa humna koo, qara jabina koo ti, ulfinaan ni caalta, irreedhaanis ni caalta! ⁴ Ati hittisa hin qabnee akka lolaa ti, sirree abbaa keetti waan ol baateef, ati afata kootti ol baatee, afata haraamuu waam gooteef, caalimaa hin qabaattu!

49:3 “Ruuben, “jechi lakk. 3 irratti akkaataa mul'ataa ta'een barreeffame kun (Gochima hin qabu) haalli ilma Yaaqoob isa angafaa ta'uu isaa, lakk. 4 garuu gochi inni ija jabummaadhaan raawwate kan isa balleessu isatti

ta'eera. Ruuben saajjato abbaa isaa wajjin ciisuudhaan gocha yellaasisaa raawwateera (Uuma. 35:22). Innis fedhii miiraa to'annoo hin qabne kan argisiisuu dha. Namootni tokko tokko irra caalaan isaa fedii saal-quunnamiiti malee sassattummaa miti isa jedhu ibsuu dhaaf, eebba Yaaqoob dursee argachuuhaaf kan ta'eedha jedhu.

49:4

NASB, NJB "To'annoo ala kan ta'e"
NKJV "Kan hin tasgabbaa'in"
LXX "Qisaasamuu, "gad-dhiisii"
TEV "Dheebuu qabaachuu"

Jechi kun (BDB 808) hiikni isaa kan ta'uu danda'u

1. Kan waa itti hin dhaga'amne (Arabiffa, Abbo. 9:4; Erm. 23:32)
2. Mata jabeessa (Akkadian)
3. Kan hin tasgabbaa'in
4. Gad-dhiisii (Sefan. 3:4)

BDBiin jecha kana yeroo ibsu "bishaan ol danfu"qodaa isaa keessaa jechu dha. Innis amala barbaachisaa ta'e fudhachuu dhiisuu dha.

▣

NASB "Ol aantummaa hin qabaattu"
NKJV, TEV "Bituu hin dandeessu"
NRSV, JPSOA "Ammaan booda ajajaa hin taatu"
TEV "Nama baay'ee kabajamaa hin taatu"
NJB "Sadarkaan isaa kan guddate hin taatu"
LXX "Humnaan dhiibdee hin darbitu"

Gochmi kun hiikni hundee hiifilii isaatii (BDB 451, KB 451, *Hiphil* JUSSIVE)

1. Hambisuu, dhiisuu, Ba'u. 10:15; Rut 2:14, 18; II Mot. 4:43; II Seen. 31:10
2. Hambaa dhiisuu, Hisq. 6:8
3. Fayyaatti eegamuu, Faar. 79:11 irra qofa
4. Baay'ee caaluu, Uuma. 49:4 irra qofa
5. Hanga barbaachisuu olitti jiraachuu, Ba'u. 36:7; II Mot. 4:43; II Seen. 31:10
6. Irraa hafaa jiraachuu, Kes. 28:11; 30:9

Maqaan isaa lakk. 3 irratti yeroo lama itti dhimma ba'ameera! Kun huma Ruuben argisiisa, garuu immoo sababii toora lamaa fi sadii irraa kan ka'e, humni kun hundinuu bade. Cubbuun waan fidee dhufu qaba, akkasumas godaannisa hin badne kaa'ee darba!

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:49:5-7

⁵"Shimi'oonii fi Leewwiin obboloota, mi'i isaanii waraana ittiin humnaan nama irratti ka'anii dha; ⁶ isaan aarii isaaniitiin nama waan ajjeesaniif, melleggoo isaaniitiinis sangaa waan naaffisaniif, lubbuun koo mare isaaniitti hin lixin, yaadni koos hidhata isaanii hin ta'in! ⁷ Aariin isaanii jabaa, dheekkamsi isaaniis gara-jabeessa waan ta'eef, abaaramaa haa ta'u! Ani biyya Yaaqoobitti gargar isaan nan hira, biyya Israa'elittis isaan nan bittimsa.

49:5 "Shimi'oonii fi Leewwiin obboloota" obbolootni dhiigni isaanii ho'aa kun lamaan, du'a namoota Sheekemiif warra haala mijeessan ta'uun isaan ifaa dha (Uuma. 34:25-30). Dhugaan barreeffamni kun itti dabalee dubbatu, isaan aarii isaaniitiin (BDB 60 fi BDB 720), dacchaafattuu loon magaalattii sanaa kukkutaniiru, kunis waan tokko ta'ee, garuu Uuma. 34 irraa kan nuti hubatnuu dha yookaan bulchitoota magaalaa sanaa ibsuudhaaf, tarii jecha dhokataa ta'uu ni danda'a.

lakk. 5 irratti barreeffama isa guddaa irra gochim tokko illee hin jiru.

▣

NASB, NRSV "Billaa isaanii"

NKJV	“Bakka bultii”
NJB	“Karoora”
LXX	“Filannoo gochaa”
NREB, NJB	“Mareewwan”
TEV	“Uumama”

Macaafni inni kan Warra Ibrootaa (BDB 468) yaada qabatamaa hin qabu, garuu hiikni jechichaa (kutaa kana qofa keessatti argama) “meeshaalee” dha. Tokko tokko akka tilmaamanitti, gara Sheekem yeroo dhufan meeshaalee qonnaa qofa fuudhanii waan dhufaniif, hanga isaan saba sana irratti tarkaanfii fudhatanitti, eenyu iyyuu miidhaaf dhufan jedhee hin.

Akka odeeffannoo UBS isa jalqabaa fi giddu galeessaatti, barreeffama qayyabatnaa Kakuu Moofaa isa kan Warra Ibrootaa keessatti filannoo lama kennu, lamaanuu iyyuu dubbifamaa wal fakkaataa מִכְרַתִּיהֶם kan fayyadaman.

1. Billaawwan isaanii (Jecha Griikii isa walfakkeenya qabu hubannoo tilmaammiidhaan ta’e NRSV)
2. Badii isaanii

Kan filatamu filannoo isa lammaffaa dha, garuu immoo sadarkaa ‘C’ kennaaf (shakkii tilmaama keessa galuu danda’u).

Carraan sadaffaan jira, innis akka hundee hiika warra Habashaatti “marchuu” isa jedhu (James Barr, *Comparative Philology and the Text of the Old Testament*, fuula. 57, JB, REV).



NASB	“Raawwii”
NKJV	“Meeshaalee”
NRSV, TEV	“Meeshaalee waraanaa”

Jechi kun (BDB 479) hiikni isaa inni jalqabaa “kan ittiin fayyadaman, “qodaa” dha. Innis ibsuu kan danda’u

1. Meeshaalee manaa
2. Horii
3. Qodaa addaa addaa
4. Mi’a miidhaginaa
5. Mi’a adamoo
6. Meeshaalee waraanaa
7. Meeshaalee muuziqaa
8. Waanjoo qonnaa
9. Waan tikseen itti mi’a baadhattu (qalqala)
10. Uuroo itti bilcheeffatan

Jechi kun ilaalcha warra Seem bal’inaan akka qabu beekamaa dha. Innis “Goraadee” waliin kan wal fakkaatuu dha (yookaan BDB 468 kan jedhu hundi). Macaafa Qulqulluu keessatti (BDB 479) jechi kun jalqaba, darbees BDB 468. JPSOA “Meeshaan lolaa isaanii meeshaalee jal’inaa ti” kan jedhu qaba. Rakkoon lakkoobsa kana ilaalchisee jiru hiikaalee durii hedduu irrattii dha.

Ta’e iyyuu, inni kan argisiisu gara jara obboloota kanaatti, warra Sheekem ajjeesuu isaanii (Uma. 34).

Akka odeeffannoo UBS isa jalqabaa fi giddu galeessaatti, barreeffama qayyabatnaa Kakuu Moofaa isa kan Warra Ibrootaa keessatti filannoo lama kennu, Gaalee Warra Ibrootaa isaatii hubachuuf.

1. מִלִּיחָמָם = Meeshaalee jal’inaa
2. מִלְחָמָם = Isaanis itti murteessan

Innis yaada lachuu kana walitti dabalere itti fayyadama “Meeshaalee jal’inaa

, “garuu inni sadrkaa lammaffaa (shakkii yartuu).

49:6

NASB	“Hafuura koo... ulfina koo”
NKJV	“Hafuura koo... ulfina koo”
NRSV, TEV	“Ana... ana”

NJB, REV
JPSOA
LXX

“Hafuura koo ... yaada garaa koo (honnee koo)”
“Qaama koo... jiraachuu koo”
“Hafuura koo ... buusaa keessa namummaa koo”

Jechi jalqabaa (BDB 659) *Nefash jedhama*, hiikni isaas “hannisaa hafuura kan horiis ta’e kan namaa”ti (jechuunis, kan isaan hafuura baafatan). Innis boqonnaa 46 irratti yeroo hedduu itti dhimma ba’ameera (46:15, 18, 22, 25, 26 [yeroo lama], 27 [yeroo lama]), garuu karaa hedduudhaan hiikameera.

Jechi ini lammaffaa (BDB 458) “*kabod*, “hiikni isaa “irraa hafaa, ““ulfina, “yookaan “ulfina argachuu”dha (mata duree addaa 45:13 irra ilaali). Hundeen jechaa kana fakkaatu as qofaatti argama, 31:1, fi 45:13. Jechootni wal fakkaatoon kun lamaan wal faana Faar. 7:5 irratti argamu. Ta’e iyyuu, barreeffama kana keessatti Yaaqoobumaan kan argisiisuu dha, Nefash waliin immoo walitti dhiyoo dha. Jechootni kun lamman kan isaan mul’atan gaalee dhiibbaa geggeessuuf walitti dhiyoo keessatti.

Sararoonni lamaan lakk. 6 irratti argaman bifa jechamaatiin galan, innis isa Yaaqoob kaayyoo fi gocha ilmaan isaa warra gurguddoo lamaanitti waliif galuuf yaadee dha, kunis kan ini maddu sababii tikko malee dhiirota Kanaa’an hundaa, magaalaa Sheekem keessaa ajjeesuu isaanii ti.

▣ **“isaan aarii isaaniitiin nama waan ajjeesaniif”**Yaaqoob hojii jal’aa fi jibbisiisaa, ilmaan isaa lamaan raawwatan kanaan beekamuu hin barbaadne.

▣ **“mellegoo isaaniitiinis sangaa waan naaffisaniif”**kun torra sadaffaa waliin walitti dhiyoo dha. Innis bifa jechama ta’een, waa’ee ajjeechaa Sheekem kan argisiisuu dha. Obboleewwan kun laaman dhiirota Sheekem hunda akka horii taasisan. Caalaatti inni suuta jechuu isaanii karaa kallattii hin ta’iniin kan mul’isuu dha (erga dhagna qabataniis guyyaa sadi’iin booda).

49:7 “abaaramaa haa ta’u”Kun (BDB 76 KB 91) PASSIVE PARTICIPLE innis raajeffannoo dhaan kan itti dhimma ba’ame (3:14, 17; 4:11; 9:25; 27:29; Lakk. 24:9; Kes. 27:15-26; Abbo. 21:18; I Sam. 14:24, 28). Innis itti fayyadama addaa ta’e qaba, Uuma. 12:3 fi 27:29 kakuu Abrahaam waliin wal qabatee, garuu immoo inni hiika kanaa ta’uu hin danda’u, sababiin isaas ijoolleen kun qaama kakuu sanaa waan ta’aniif! Abaarsichi dirqamatti dura buutaa qomoo ta’uu dhabuu isaanii waliin kan wal qabatuu dha (abbaa fo’ame). Innis kan abaarame (BDB 60) ijoollee sana osoo hin ta’in, “aarii isaanii”ti. Ta’e iyyuu, Waaqayyo gooftaan (Yaaween) ofuma isaatii (“Yaaqoobiin gargar isaani hira/ addaan facaase, “akka jiru hubadhu BDB 323, KB 322, *Piel* IMPERFECT, FIRST PERSON SINGULAR).

Walitti makama sirrii sararaa 1 fi 2, fi, 3 fi 4 lakko. 7 irratti ilaali. Kun fakkeenya gaarii dha, jechootni Warra Ibrootaa akkamittiin akka (Barreffama hogbarruu Israa’elotaa keessa jiru isaali).

▣ **“biyya Israa’elittis isaan nan bittimsa. “Seenaa irraa akka hubanutti gosti Shimi’on, ga’aa dhaala isaa bakka Filxatti dhiyoo jiru fudhateera** (Iya. 19:1-9), baay’ee dafee ajjeefameera, Yihudaa waliinis walitti makameera. Qomoon Leewwii bakka ilmaan warra angafaa fudhate (Ba’u. 13) warren biyya lafaa irra bittimaa’am kun immoo, keessumatti immoo warren magaalota Lewa 48 keessa bittimmaa’an, luboota ta’an. Sababiin adda durummaa eebba kanaa amanamuuf keessaa eebbi isa fakkaatu waan hin jiraatiniifii dha, mulqamuu Leewwii irratti, achuma bakka eebbi Musee qomoo waniif jirutti Kes. 33.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa: 49:8-12

⁸”Yaa Yihudaa, si immoo obbrootni kee ni jajatu, harki morma diina kee irraa jira; ilmaan abbaa keetiis siif ni qoomma’u! ⁹ Yihudaan saafela leencaa ti, yaa ilma ko, ati adamoodhaan guddatteetta, inni hirkatee akka leencaatti ni ciise, egaa isa akka leenca dhalaa kana eenyutu kaasa ree? ¹⁰ Siiqqeen Yihudaa iraa hin darbu, uleen mootummaas dhala dhala isaa harkaa hin dhabamu! Kunis hamma inni qabachuun ta’uuf, hamma inni sabni abboomamuuf sun dhufutti ni ta’a. ¹¹ Inni harree isaa muka wayiniitti, ilmoo harree isaas wayinii fo’amaa gidduutti ni hidhata; inni uffata isaa daadhii wayiniitiin, wayyaa isaas dhiiga ija wayiniitti ni miiccata; ¹² daadhi wayiniitiin iji isaa ni qarama, aannaniinis ilkaan isaa ni addaata.

49:8-12 “Yihudaa”jechi Yihudaa jedhu (BDB 397) hiikni isaa “galata” (BDB 393, 29:35). Walumaa galatti inni ilmaan Yaaqoob keessaa kan inni ibsame akka qomoo waraanaatti (lakk. . 8-9) akkasumas akka mootummaatti

(lakk. 10-12). Jechi kun Yihudaaf ittumma fufeera, akka saafela leencaa (BDB 158 ijaarsa BDB 71). Kana jechuun garuu ilmoo leencaa jechuu miti, humna qabu hundumaan kan fayyadamu jechuu dha malee (Lakk. 24:9).

49:8 “diina kee” jechi kun (BDB 33, KB 38, *Qal* ACTIVE PARTICIPLE) Kakuu Moofaa keessatti kan beekamee dha, garuu yeroo afurtamaa ol itti dhimma ba’ameera, keessumatti akka diinota moototaa tti (NIDOTTE, jildii 1, fuula 366). Mo’uu Yihudaa ilaalchisee, eebbi mootummaa kun, mallattoo isa gara biraa dha.

▣ **“ilmaan abbaa keetiis siif ni qoomma’u”** Gochim isaa (BDB 1005, KB 295, *Hishtaphel* [*OT*

Parsing Guide] or *Hithpael* [Owen, *Analytical Key*] IMPERFECT kan hin raawwatamin gocha ulfinaa kan argisiisu) 37:7 fi 9 irra akka isa jiruu eebba Yoseef bifa wal fakkataadhaan kan itti dhimma ba’amee dha. Obboleewwan (Yihudaa dabalatee) obboleessa isaanii isa tokkoof qoomma’uudhaaf itti waliif hin galle, asitti Yaaqoob kan mirkaneesse, akkuma Gibxitti Yoseefiif sagadan, Kanaa’anitti immoo Yihudaaf sagadu. Yihudaa qomoo mootii ta’eera!

49:10 “Siiqqeen ... uleen mootummaas” Isaan kun (BDB 986 fi BDB 349, KB 347, *Poel* PARTICIPLE) walitti dhiyoo dha, kan isaan argisiisanis mootummaan qomoo gamtaa’e Yihudaa keessaa akka dhufuu dha.

“uleen mootummaas” gaalee jedhu hubachuun kan nurra jiru ilaalcha fakkii bara duriitiin ta’auu qaba, ANE mootummoonni mallattoo mootummaa isaanii godhanii waan qabataniif (hedduminaan siiqqee yookaan eeboo). Kan dagatamuu hin qabne jechichi fakkeenya taayitaa ajajaa waraanaa ti (Lakk. 21:18).

▣

NASB, NKJV	“Kan bulchu (Shiloh) hanga dhufutti”
NRSV	“Gibirri isaa hanga isaaf dhufutti”
TEV	“Ormoonni gibira isaaf fidu”
NJB	“Gibirri hanga isaaf dhufutti”
LXX	“Wanti isaaf kaa’ame hanga isaaf dhufutti”
TEV	“Siiqqeen mootummaa kan isaaf ta’u inni hanga dhufutti”
JPSOA	“Waan ta’eef gibirri isaa hanga isaaf dhufutti”
NREB	“Kan isaaf ta’u hanga fudhatutti”
REB	
Og-barruu dargaggootaa	
Hiika (Young’s Lit.)	“Sanyiin isaa hanga dhufuttii”

Gaalee kana attamittiin hubachuun akka danda’amu mare hedduun geggeeffameera.

1. Innis maqofee ta’uu danda’a (Sanh 98b)
2. Maqaa bakka tokkoo ta’uu ni danda’a, garuu immoo kun wanta barame miti, sababiin isaas magaalattii yartuu kana keessatti wanti guddaan tokko iyyuu ni uumama jedhamee waan hin yaadamneef, bulchiinsa kaabaatti, bara jireenya Daawwitis ta’e kan Yihudaatti, yookaan bara Masi’ichaatti
3. Tokko tokko gaalee, “Hanga inni dhufutti” jedhu kan isaan jaabeessanii dubbatan ቤተ-ክርስቲያን-ደቡብ kan barreeffamee dha; Septuagint and Targum Onkelos gaalee kana karaa kanaan hiiku.
4. Tokko tokko akka jedhanitti kun Hisq. 21:26-27 irratti caqafameera, “Qajeelummaa dhaan kan guute mootiin sanyii Yihudaa keessaa dhalatu hanga dhufutti, “yaada jedhuun, innis Masiyicha kan argisiisu; kunis akkaataa hiikni inni haaraan haara’ee (Revised Standard Version) barreeffamettii dha.
5. Targum iin addaa addaa tokko tokko immoo lakkoobsa kana kan hiikan, “Mo’uun kan ta’uuf hanga Masiyichi dhufuutti” isa jedhuu dhaan.
6. Shiiloo jecha jedhu hundee jecha Baabiloon irraa dhufuun isaa, Raaq isa jedhu yoota’eedha, innis “abbaa firdii” isa jedhu

Barreeffamni UBS *Hebrew Text Project* filannoo kaa’eera.

1. יְבִיאֵה שִׁילֹה, inni gara Shiloo dhufe yookaan Shiloo dhufe
2. יְבִיאֵה שִׁילֹה, innis gara wanta isaaf maluu dhufe (jijjiirama dubbachiiftuu)
3. יְבִיאֵה שִׁילֹה, ashuuraan gara isaa dhufa.

Innis kan argisiisu lakk. 1 yeroo ta’u, sadarkaa”A”dha (carraa ta’uu bal’inaan kan qabu) Shiiloo ilma Yihudaa waliin walitti fida (qubeen isaa “Seeloo, “dha, 38:5, 11, 14, 26; 46:12; Lakk. 26:20; I Seen. 2:3; 4:21).

Lakkoobsichi kan argisiisu mootummaa Daawwit yeroo ta’u, garuu hiikni isaa inni sirriin qabatamaa. Lachuu iyyuu, manni qulqullummaa inni duraas ta’e waldaan Kiristanaa akka inni masiyii ta’etti fudhatan. Yihudaan kan inni mo’u gosoota kudha-lamaan qofa irrattii dha, garuu masiyichi, mootota biyya lafaa hundumaa kan mo’uu dha (Ibro. 11:15).

Yaadni mootii Israa’el, sanyii nama hundumaa irratti dhiibbaa geggeessuu akka danda’u Seera Uumamaa irratti fakkeenyaan kaa’ameera.

1. Raajii Abrahaamitti dubbatame, Uuma. 17:6, 16
2. Raajii Yaaqoobitti dubbatame, Uuma. 35:11
3. Raajii Yihudaatti dubbatame, Uuma. 49:8-12
4. Raajii Bala’am waa’ee Israa’el dubbate, Lakk. 24:7
5. Gara mootichaatti ergamuu Musee, Kes. 17:14-20
6. Raajiiwwan Daawwit qofaatti dubbataman, 2 Sam. 7



NASB, NKJV,

NRSV

TEV

NJB

JPSOA

LXX

TEV

“Abboomamuu warra saba Waaqayyoo hin ta’ini”

“Abboomamuudhaan fuula isaatti sagadaa”

“Warri saba Waaqayyoo hin ta’in isaa ni abboomamu”

“Warri saba Waaqayyoo hin ta’in ulfina isaaf kennu “

“Inni warra Saba Waaqayyoo hin ta’iniif abdiidhaan”

“Warri saba Waaqayyoo hin ta’in isa abdiidhaan ni eeggatu”

MT Barreeffama Masoretic”Warri saba Waaqayyoo hin ta’in ni abboomamu”isa jedhu qaba, (BDB 429 CONSTRUCT 766), innis gochima tokko hin qabu. LXX fi TEV masiyii waliigalaa ta’uu isaa kan argisiisu of keessaa qaba (jechuunis, “saba Waaqayyoo warra hin ta’in, “BDB 766 heddummina kan argisiisuu dha [27:29] kanaaf inni dhaabbataa ta’ee “saba Waaqayyoo warra hin ta’in”isa jedhutti hiikama, kunis sanyii Abrahaam warreen ta’an kan argisiisuu dha [saba Waaqayyoo warra hin ta’in]) Faar. 2:8; Dani. 7:13-14 irratti ifatti adda ba’eera.

49:11 “ilmoo harree isaas wayinii fo’amaa gidduutti ni hidhata”lakk. 11 fi 12 jecha dhokataa sooruma ibsuu dha. Muleetii wayinii filatamoo heduuu jira- eenyu iyyuu horii isaa yoo itti hidhate kan hin sarmne, nyaachuus yoo ta’e buqqisani gatu, bakka sana gad dhiisuu yeroo barbaadu.

▣ **“inni uffata isaa daadhii wayiniitiin, wayyaa isaas dhiiga ija wayiniitti ni miiccata”kun oomshin wayinii heddumminaan jiraachuu isaa kan argisiisuu dha.** Ta’u iyyuu, inni kan argisiisu danda’u Yihudaan fakkeenya firdii Waaqayyoo akka ta’ee dha (Isay. 63:1-6; Ibro. 19:13, 15).

49:12 “daadhi wayiniitiin iji isaa ni qarama, aannaniinis ilkaan isaa ni addaata”kun waa’ee wayinii irraa hafa ta’uu isaa (TEV, “ija [BDB 314] dhiiga uffate”) fi aannanni irraa hafa ta’uu isaa karaa biraatiin kan ibsuu dha (jechuunis, karra horii naga qabeessa). Mataduree addaa :14:18 irraa ilaali.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:49:13

¹³ **“Zebuloon qarqara galaanaa ni jiraata, inni lafa buufata markabaa ni ta’a; daariin isaas sidoon bira ni ga’a.**

49:13-14 “Zebuloon... Yisaakor”akkuma Shimi’onii fi Leewwii waliin jiran, Zebuloonii fi Yisaakor is akkasuma. Zebuloon gosa daldala irratti xiyyeeffatu yeroo ta’u, Yisaakor immoo baay’ee cimaa, garuu gosa fedhii baay’ee guddaa ta’e qabu miti.

49:13

NASB

NKJV

NRSV

TEV

“qarqara galaanaa ni jiraata”

“bakka buufata markabaa ni taa’a”

“qarqara galaanaa buufata”

“qarqara galaanaa ni jiraata”

NJB “qarqara galaanaa ni jiraata”

LXX “qarqara galaanaa ni jiraata”

Gaaleen kun kallattiidhaan “qarqara galaanaatti” isa jedhamutti hiikama (BDB 342 caaseffama 410). Gosti kun qarqara galaanaa jiraatee hin beeku (Iya. 19:10-16) sababiin isaas Sheer galaanaa fi isa gidduu jira. Kan ta’e yoo ta’e iyyuu, Xirosii fi Sidoon waliin karaa daldalaa wal quunnamtii qabu (lakk 13; Kes. 33:19 fi d).

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:49:14-15

¹⁴ Yisaakor akka harree isa dugda jabaatuu fi isa daaraa keessa ciisuu ti. ¹⁵ Inni iddoon boqonnaa tokko gaarii, lafti isaas gammachisaa ta’uu isa arge: kanaaf baachuudhaaf gatiittii isaa gad itti qabee, hojii humnaan itti dadhabanittis garbicha ta’e.

49:14 “Yisaakor akka hare isa dugda jabaatuu fi isa daaraa keessa ciisuu ti”toorri kun lamaan karaa lamaan hiikamu.

1. Tokko tokko hiika isaa akka “hojjetaa guyyaa” isa jedhutti fudhatu (TEV)
2. Tokko tokko immoo kan yaadan, isaan gaarota keessa waan jiraataniif dhibaa’ota, qalqalloowwan (TEV), yookaan bakka bultii hoolotaa (NRSV, NJB) kanaaf gara gabrummaatti deebi’aniiru (niidootee, jildii 2, fuula 994, lakk. 4)

Eenyuu akka dubbate qabatamaa miti, garuu haala keessa jiranitti fayadamuu diduu isaanii ti.



NASB, NRSV,

NJB, JPSOA

NKJV

TEV (NASB miil jalee)

LXX

TEV

NREB

“Bakka hoolaan bultu”

“Ba’aa lama”

“Qalqalloo”

“Dhaala gidduutti”

“Karaawwan gurguddaa cinatti”

“Bakka bultii loon”

Hiikni jecha Warra Ibrootaa isaatii המשנתים ta’uu kan danda’u

1. BDB 1046
 - a. Iddoowwan abiddi itti boba’u
 - b. Tuullaa daaraa (jechuunis, gandeewwan)
 - c. Bakka re’een bultu (Abbo. 5:16)
2. KB 652
 - a. Qalqalli lachuu (Hebrew dual) harreedhaaf (Arabiffaa fi Olbraayit)
 - b. Baarradaa bunaa abidda irra jiru
 - c. Bakka bultii hoolotaa kan adda addaan qoodame (Faar. 68:13)

Eeyyee, namoonni bara har’aa sirriitti maal jechuu akka ta’e hubachuu barbaadu, garuu haalli walii-gala barreeffamichaa waan tokko iyyuu hin argisiisu. Nuti dirqamtti hundee jecha isaatiis ta’e odeeffannoo seenaa isaa hanga arganutti, yaada isaa (fakkii) isaa isa guddaa argachuu qabna. Kun dhimma murteessaa miti!

49:15 lakkoobsa kana hubachuudhaaf karaa faallaa ta’e lamatu jira.

- a. Yisaakor dhibaa’aa waan tureef garba ta’e.
- b. Yisaakor ga’een isaa misoomaa akka ta’e hubatee, jabaatee hojjete. Innis walumaa galatti kan jedhe “ciisanii boqochuu” dha.

Egaa kun kan argisiisu dhibaa’ummaadha moo yaalaa cimaa taasisuun booda aara galfachuu dha?

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:49:16-18

¹⁶ “Daan gosa Israa’el keessaa akka isa tokkoo ti, saba isaaf firdii ni baasa. ¹⁷ Daan akka bofa karaa keessaa, akka mar’ataa daandii bukkee isa laafina kottee fardaa iddee, abbaa fardaa dugda duubaan kuffisuu ni ta’a.

49:16 “Daan”kun maqaa Daan jedhu irratti seeraa ala, hiikni isaas “abbaa seeraa” (BDB 192), akka Dhinee (BDB 192) bifa dhalaatiin kan dhatee dha, hiikni isaas “haadha seeraa”ti. Kun dhugaa yoo ta’e, gaalichi Daan nama xiqqaa, garuu hamaa dha.

49:17 “Daan akka bofa karaa keessaa.... ni ta’a” Namni Kaku Moofaa hiiku tokko, Liipoldi, lakk. . 17 fi 27 bifa gaarummaatiin ilaala (lakk. . 18 hubadhu), ta’u iyyuu, haala yaada walii-gala barreeffamichaa irraa gadhee ta’uu ni danda’a. Isaaniif, fakkeeniyota Macaafa Qulqulluu tokko tokko qabna (Abbo. 18). Abboota Firdii 18 macaafa Qulqulluu keessaa, gosoota gidduutti, gosa Daan keessatti jalqaba dhugummaa ejjuu ti. Hedduun akka jedhanitti, bakka isaaniif kenname waan dhiisaniif Daan gocha kanaan qoodameera. Daan Ibroel 7:5-8 keessaatti toora gosootaa keessatti hin ammatame. Abbootni amantii durii hedduun Irinaayus, Ambiros, Awugsxos, fi Teewodor mormitun Kiristoos gosa Daan keessaa akka dhufuudha kan isaan tilmaaman.

49:18 “Yaa Waaqayyo, ani fayyisuu keen an eegga dha” Kaayyoon kadhata yaada garaa irraa ta’ee kanaa haala barreeffama kanaa keessatti mormisiisaa dha. Innis Yaaqoob biraa ti moo Daan biraa ti? Innis eegumsa isaatiif Waaqayyoof galata kennuu dha (Uma. 49 Waaqayyo tokkichi kan keessatti maqaa dha’ame), “Bofa”inni jedhu caqafamuu isaa qorachuu irraa kan ka’e, lakk. 17, kan argisiisu Uma. 3 ta’innaa? Innis ta’uu kan danda’u kadhata gosti Daan, fagaatanii adeemuu isaanii hubatee, gara eegumsaa fi fayisuu Waaqayyootti deebi’uu isaaniif taasisee dha, (jechuunis, lafa Filisxiyaatti bakka gosti inni guddaan to’ate).

Mata duree addaa: Fayina (Fayyuu)

Jechi kun (BDB 447) hiikaawwan hedduu qaba.

1. Fayina, badhaadhummaa, Iyo 30:15
2. Fayina waaqa irraa innis fayina foonis ta’e kan hafuuraan kan ilaallatu
 - a. Uma. 49:18
 - b. Kes. 32:15
 - c. C. Faar. 3:2, 8; 22:1; 35:3; 62:2; 69:29; 70:5; 78:22; 80:3; 89:26; 91:16; 106:4; 140:7
 - d. D. Isay. 12:2; 33:2; 51:6, 8; 52:7, 10; 56:1; 59:11; 60:18; 62:1
3. Fayinni foonii fi hafuuraan fayyuu Yona 2:9-10 irratti mul’ inatti kaa’ameera
4. “Ni gammadan”inni jedhu yeroo mara fayisuu Waaqayyoo waliin kan wal simuu dha, 1Sam. 2:1; Isay. 25:9; 26:1; Ps. 9:14; 13:5; 35:9

Kaayyoo Waaqayyoo isa guddaa inni ta’e fayinni nama inni uumee faana akka ta’u argisiisuu isaa ti. Innis guutummaa dhunfaa fi hawwaasaa kan hammatuu dha!

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:49:19

¹⁹Warri saamtuu Gaadiin saamuudhaaf bira ni ga’u, inni garuu garagalee faana isaanii duukaa bu’ee isaan ni sarda.

49:19 “Warri saamtuu Gaadiin saamuudhaaf bira ni ga’u, inni garuu garagalee faana isaanii duukaa bu’ee isaan ni sarda”hundee maqaa kana ilaalchisuudhaan akkaataa galumsaa ifaa ta’etu jira (BDB 151), lakkoobsa tokko kana irratti yeroo afur argama. Gaad bakka salphaatti saba naannoo isaatiin wararamutti gosa qubatee dha (jechuunis, Yordanos irraa gara Baha biiftuutti), garuu immoo isaan hordofee adeema, bojuus ni deebisa (jechuunis, carra qabeessaa, fi badhaadhaa dha).

Inni Warra Ibrootaan barreeffame “koomee”kan jedhu qaba (BDB 784, I, a), garuu immoo BDB akka ibsutti, jechichi ta’uu kan danda’u חַקְצָה (ח sararaa itti aanee jiru irraa qubee jalqabaa ti, lakk. 20). Akkas yoo ta’e, eгаа sararichi”koomee, “isa jedhutti hin dubbifamu, garuu “dugda isaanii duubaan isaan rukuta”malee (BDB 784, I c).

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:49:20

²⁰Asheer buddeenni isaa ni furdada, nyaata mi’yaa mootiidhaaf ta’u ni dhiyeessa.

49:20 “**Asheer**” Asheer hiikaan isaa “isa gammade” jechuu dha (BDB 81). Tarii kun kan caqafamuuf toora daldalaa to’achuu isaanii ti. Ga’aa dhaala isaaniiif kenname keessatti, innis badhaadhota kan isaan taasisu. Itti dabalees, lafti isaanii nyaata moototaaf ta’u kenna jechuu dha (Kes. 33:24-25).

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:49:21

²¹ Niftaalem akka borofa gad dhiifamtee ti, inni afaan isaatiin sagalee gaggaarii ni dubbata.

49:21

NASB, NKJV	“borofa gad dhiifamte”
NKJV, JPSOA	“borofa gad dhiifamte”
TEV	“borofa gad dhiifamte”
NJB	“Borofa ariifataa”
LXX	“Jirmaa guddaa”
TEV	“Ergamaa Ariifataa”
REB	“Muka dagaagaa/guddaa”

Hiikn gochima kanaa (BDB 1018, KB 1511, *Qal* PASSIVE PARTICIPLE)

1. Gara fuula duraatti erguu
 - a. Saba
 - b. wantoota
 - c. Ergaa
2. Darbachuu
3. Hiixachuu (jechuunis, lafa qabachuu, LXX, REB)
4. Erguu (Uma. 3:23)
5. Hiikamuu (Faar. 50:19)



NASB	“Inni sagalee namatti tolu dubbata”
NKJV, TEV	“Inni sagalee gaarii dubbata”
NRSV, TEV,	
NJB , JPSOA	“Isaan bifa namatti tolu qabu”
LXX	“Ija gaarii kan argisiisu”
NREB	“Damee gaarii baafata”

Jechichi kan hiikame “gaarii” yookaan “kan miidhagu” isa jedhutti yeroo ta’u (BDB 1051 I, rkc Faar. 16:6), dubbifamtootni wal fakkaatoon sadanuu kan hiikamuu danda’an “gaanfa, “rkc isa jedhuttii Rotherham’s Xiyyeeffattaa Macaafa Qulqulluu ilaali).

UBS *Handbook on Uma. esis irraa* ibsa faayidaa qabeessa qaba. Bichee irraa gara mukaatti fi ilmoo biichee irraa gara jechootaatti kan jijjiirame xuqaalee Ibra dubbisiifituu offi keessatti haammata (fuula 1094).

Seera uumamaa 49 irratti fakkeenya mukeetii irraa fakkeenyi bineessaa beekamoo waan ta’eef, lakkoofsa 21 irra kan jiran waliin waan adeemanu qabu, “sagalee gaarii” yookiin “sagalee bareedaa” kan jedhu kan wayyu fakkaata.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:49:22-26

²² Yosef akka muka ija godhatuu ti, akka muka ija godhatuu isa bishaan burqituu cina dhaabatuu ti; dameewwan isaas keenyan irra ni yaa’a. ²³ Warri iddaa baatan isa hin duchiisan, xiyya itti gad dhiisanii, diinummaa isatti argisiisan. ²⁴ Haa ta’u iyyuu malee idaan isaa takkaa hin laafne, harka isa aango-qabeessa kan Yaaqoobiin, maqaa tiksee sanaa, kattaa isaa kan Israa’eliin, irreen isaa ariifataa ta’e. ²⁵ Waaqayyo inni kan abbaa keetii, isa haa gargaaru! Waaqayyo inni hundumaa danda’u, eebba ol waaqa irraatiin, eebba callabboo lafa jala ciisuutiin, eebba harma mirgisuu fi gadameessa dhala godhatuun, si haa eebbisu!

²⁶ Eebbi abbaa kee, eebba tulloota barabaraa gararraa ti, coccophsa gaarota bara baraan jiraatanii gararraatti ni jabaata! Isaan kun mataa Yoseef irra, gubbee mataa isa obboloota isaa keessaa addaan ba'e sanaa irra haa buufatu.

49:22-26 “Yoseef”akkuma Yihudaan ilmaan Liyaa irraa geggeessummaa fudhate (jechuunis hidda dhaloota Masihichaa) akkasumas Yoseef ilmaan Raahel irraa addaan ba'eera, dhaala dacha argachuu dhaaf (jechuunis, Efreemii fi Minaasee). Kun dursuu Yoseefiif, ibsa jecha dhokataa fi jabaataa dha.

49:22 lakkoobsa kana irra yaada dhokataatu jira.

1. Raawwiin gochaa, BDB 826, KB 963, yeroo lama irra deebi'ameera
2. Toora tokkoffaa irratti “muki”kallattiidhaan “mucaa ilmaa, “ti, garuu toora sadaffaa irratti “muki”“mucaa intalaa”ti

Kun muka ija qabeessaa fi guddatuuf haasaa qonnaa ti (Kes. 33:13-16).

Namootni hiikan tokko tokko waa'ee bineeladaa akka hin taaneef shakkii qabu (lakk. 9, 14, 17, 21, 27, fi kan fakkaatu Kes. 33:17) yaada isaa harree diidoo, gaara irra jirutti jijjiira (JPSOA TEV). Jechamni loqoda durii keessatti jechoota yeroo hedduu itti dhimma hin ba'amTEVti dhimma Ba'uu yeroo ta'u, wanta oogummaa ta'a!

Barreeffama Warra Ibrootaa keessatti, lakk. 22 gaaffilee hedduu qaba!

49:23-25 lakkoobsonni kun kan isaan wal fakkaatan

1. Jireenya Yoseef obbolaa isaa fi Phoxifera fi jireenya isaa mana hidhaa
2. Qomoo ilmaan Yoseef (jechuunis, Efreemii fi Minaasee) fi garee qomoo warra Kanaa'an keessatti argamuu danda'uu isaanii (Iyaasuu)

Maqaa adda addaa Waaqayyo ittiin waamau hubadhu.

1. Harka isa aango-qabeessa kan Yaaqoobiin, lakk. . 24, BDB 7 caaseffama 784, Faar. 132:2, 5; Isay. 49:26 (Harka isa aango-qabeessa kan Israa'eliin, Isay. 1:24)
2. Tiksee sana, lakk. 24, BDB 944, KB 1258, Faar. 23:1; 80:1 jechama waa'ee tiksee isa fakkaatu, Faar. 78:52)
3. Kattaa Israa'eliin, lakk. 24, BDB 6 caaseffama 975, Isay. 30:29; innis “Dhagaa golee”isa jedhu maqaa masiyichaaaf kenname waliin kan wal qabatuu dha, Faar. 118:22; Isay. 28:16 (Mata duree addaa itti fufee jiru ilaali)
4. Waaqayyo inni kan abboota keetii, lakk. 25, Uuma. 26:3, 24; 28:13; 32:9 (jechuunis, Abrahaam, Yisaq; inni Waaqayyo isa kan Yaaqoob jedhu baaqqeedhaan barreeffamuun isaa jabeessuuf akka ta'e hubadhu)
5. Isa hundumaa danda'u (kallattiidhaan, *Shaddai*, JPSOA), lakk. . 25, BDB 994, 17:1; 12:1 irraa mata duree addaa maqaa Waaqayyo isa jedhu ilaali

Mata duree addaa: Dhagaa golee

- I. Akkaataa itti fayyadama Kakuu Moofaa
 - A. Yaada dhagaa, akka cimaa fi jabaataatti, innis bu'uura gaarii ta'uu isaa, Waaqayyo gooftaa ibsuudhaaf kan dhimma itti ba'ame (Faar. 18:1).
 - B. Innis booda gara maqaa muudamaa masiyiitti guddachaa dhufe (Uuma. 49:24; Faar. 118:22; Isay. 28:16).
 - C. Innis firdii Waaqayyo gooftaa biraa karaa masiyichaa ta'u bakka bu'uu eegale (Isay. 8:14; Dani. 2:34-35, 44-45).
 - D. Kunis jecha dhokataa kan moggaasuudhaaf ta'eera.
 1. Dhagaa bu'uuraa, dursee kan hafamu, innis dhagaab golee kan irra dhaabatan, qaama gamoo isa hafeef, “dhagaa golee”jedhamee waamama
 2. Innis immoo dhagaa xumuraa jedhama, keenyan hunda waan walitti qabsiisuuf (Zakk. 4:7; Efe. 2:20, 21), “mataa golee”jedhamee waamama, innis jecha Warra Ibrootaa Rusha jedhu irraa (jechuunis, mataa)
 3. Innis “Dhagaa murteessaa/bantuu”jedhamee ibsama, kunis karaa ol seenan gidduu galee walii gala keenyanii kan baatuu dha.

II. Akkaataa itti fayyadama Kakuu Haaraa

- A. Yesus Far 118yeroo hedduu caqaseera, ofii isaa ibsuudhaaf (Maat. 21:41-46; Maar. 12:10-11; Luq. 20:17)
- B. Phaawulos Faar. 118 Waaqayyo Israa'eloota warra isatti hin amanne, hamoota akka tuffate argisiisuudhaaf itti dhimma ba'eera (Rom. 9:33)
- C. Phaawulos yaada "dhagaa xumuraa" jedhu Efe. 2:20-22 irratti Kiristosiin ibsuudhaaf itti dhimma ba'eera
- D. Pheexoroos yaada Yesuus kana 1 Phex. 2:1-10 irratti itti dhimma ba'eera. Yesuus dhagaa golee yeroo ta'u amantootni immoo dhagaa jiraatoo dha (jechuunis, amantootni akka mana-qulqullummaatti, 1 Qor. 6:19), isa irratti kan ijaaraman (jechuunis, Yesuus mana qulqullummaa isa haaraa dha, Maar. 14:58; Maat. 12:6; Yoh. 2:19-20). Yihudootni yeroo masiyicha fudhachuu didan, bu'uura abdi isaanii isa jabaa tuffachuu isaanii ti.

III. Ibsa Sagalee Waaqayyoo

- A. Waaqayyo Daawwit/ Solomoon mana qulqullummaa akka ijaaru hiyyameera. Innis yoo isaan kakuu isaa eegan akka isaan eebbisu, isaan waliin akka ta'u, itti himeera (2 Samu. 7), yoo didan garuu, manni qulqullumichaa ni diigama (1Mot. 9:1-9)!
- B. Yihudummaan Raabii fakkeenya fi seera waaqeffannaa dirqisiisu irra ta'ee, bifa amantii dhuunfaa ni dagata (Kun ibsa gogu miti; Warri Raabii kanneen gaariinis turaniiru). Waaqayyo, warra akka fakkeenya isaatti uume waliin, walitti dhufeenya guyya guyyaa, dhuunfaa, gaarii ta'e qabaachuu barbaada (Uuma. 1:26-27). Luq. 20:17-18 jecha firdii sodaachisaa qaba.
- C. Yesuus waa'ee mana qulqullummaa eenyummaa foon isaa akka bakka bu'u itti dhimma ba'eera (Yoh. 2:19-22). Kunis kan itti fufee fi babballataa dhufe Yesuusiin akka masiyyitti fudhachuudhaan, walitti dhufeenya dhuunfaatti Waaqayyo waliin taasifamuuf bantuu dha.
- D. Fayina jechuun Waaqayyo wajjin walitti dhufeenya akka danda'amuuf, fakkeenya Waaqayyoo nama keessatti deebisuu dha. Amma galmi kiristiyaanummaa Kiristoosiin fakkaachuu dha. Amantootni dhagaa jiraatoo akka ta'anii dha (jechuunis, manneen qulqullummaa xixiqqoo, Kiristoos booda warreen ijaaraman).
- E. Yesuus bu'uura amantii keenyaa ti, akkasumas dhagaa xumura amantii keenyaa (jechuunis, Alfaa fi Oomeegaa). Akkasumas immoo dhagaa gufannaa ti. Isa dhabuun waan hundumaa dhabuu jechuu dha. Asi bakki giddu galeessi tokko iyyuu hin jiru!

49:25-26 "Eebba" jechi kun yeroo meeqa akka dhimma itti ba'ame hubadhu.

1. Si haa eebbisu, lakk. 25, BDB 138, KB 159, peeyilii hin raawwatamin, 28:3; 48:3
2. Eebba waaqa irraatiin, lakk. . 25, BDB 139, 27:28; Kes. 33:13
3. Eebba guddaa isaa irraa, lakk. 25, BDB 139, Kes. 33:13
4. Eebba harma mirgisuu fi gadameessa dhala godhatuun, lakk. . 25, BDB 139
5. Eebbi abbaa kee, lakk. 26, BDB 139
6. Eebba abboota keetii kan caalu, lakk. 26 (Gaalee Warra Ibrootaa isa rakkisaa "eebba" dabalee kan hin aammattne)

Eebbi kun hundi Waaqayyo inni kan abbootaa isaan waliin akka jiru kan mirkaneessuu dha (Uuma. 12:2; 22:17; 24:1; 26:12; 30:30) karaa isaanii warreen biro eebbisuu dhaaf (Uuma. 12:2-3; 22:18; 30:27; 39:5). Kun uumama hundaaf kaayyoo Waaqayyoo isa jabaa dha (1:22, 28)! Kun isa Waaqayyo akka ta'u barbaade miti (Uuma. 3). Gaarummaan Yoseef, kaayyoo guddaa Waaqayyo isaafis ta'e maatii isaatiif qabu akka raawwatu taasiseera.

49:25 Eebbi abbaa keetii, eebba tuloota barabaraa gararraa ti, gaarota bara baraan jiraatani gararraatti ni jabaata. Isaan kun mataa Yoseef irra, gubbee mataa isa obboloota isaa keessaa addaan ba'e sana irra haa buufatu. Kun midhaanni irraa hafa akka ta'uuf, heddummachuu horii fi namaatiif gar-sadee jabeessituu dha. Kunis isa Waaqayyo namoota Edeniif akka ta'u barbaadee dha.

"Waaqa irra" fi "callabboo lafa jalaa" eebba bal'aa fi dhugaa ta'eef, akka jechamaatti kan dhimma itti ba'amee dha. Lachuun isaa iyyuu yeroo makarii irraa hafa ta'ee fi marga lalisaa kan argisiisanii dha (Kes. 33:13).

49:26 Toora 2a fi toora 3ffaa gidduu wal gituutu jira, garuu lamaan isaanii iyyuu akka Warra Ibrootaatti rakkoo qabu.

1. Eebba tulloota barabaraa (הַרְרִיעַד, BDB 249) yookaan hidda sanyii (הַרְרִיעַד, BDB 223 immoo kan jedhu, tulloota barabaraa waliin kan wal gitu ta'ee caqafamuu isaa ti, akka isa LXX fi Kes. 33:15 irra jiruu; “Hidda sanyii” kan jedhu qaba, garuu akka kanatti kan argamu asi keessa qophaatti)
2. Eebba bara-baraa

Haala yaada barreeffama wal gituutti toorri lamaanuu iyyuu gaarotaa fi tulloota waliin kan wal simanii dha, innis ciminaa fi dhaabbataa ta'uu kan argisiisuu dha.

▣ **“Gubbee mataa isa obboloota isaa keessaa addaan ba'ee sanaa irra”**“isa ta'e” (isa beekame) (BDB 634) “nama Naazireet, “hundee jedhu irraa ti, hiikni isaas “addaan baasuu”dha (TEV) yookaan “adda kan ta'e”. Innis geggeessaa ta'uu yookaan abbaa firdii ta'uu kan ibsuu danda'uu dha (Naho 3:17). Innis taayitaa fi geggeessummaa Yoseef biyya Gibxitti qabu kan argisiisuu dha.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:49:27

²⁷**Beniyaamin akka yeeyyii waan qabi ciruu ti, inni ganama isa adamse ni cuccuffata, galagala immoo boojuu ni hira.**

49:27 “Beniyaamin”inni kan ibsame akka yeeyyii butataatti (BDB 382, KB 380, *Qal* IMPERFECT). Tokko tokko ga'ee isaa shananuu isaa nyaachuu isaati jedhu (Uuma. 43:34). Abbaan isaas amala nyaata isaa ni beeka! Lakk. 27 gaarii miti, abbo. 19-21tti ilaali.

Leewopold lakk. 17 fi 27 yaada gaarii dhaan hiika. Walaloo warra Ibra baay'ee dogoggorsaa dha, sababni isaa sharbeen ciigoo yookiin walaloo akka ta'utti darbee darbee jecha mana rukututti (accented syllables) fayyadama waan ta'eedhaaf.

▣ **“boojuu”**hundeen isaa עָבַד (BDB 723 I) yeroo mara qabeenya dhaabbataa ta'e kan ibsuu dha (jechuunis, Uuma. 49:26; akkasumas baay'inaan macafa Faaraarsaa fi Isayaas keessa), garuu barreeffama muraasa tokko tokko keessatti (Asi; Isay. 33:23; Sefan. 3:8) Innis yaada lola irraa fudhatamee dha, “boojuu”jechama jedhutti fayyadamuu dhaan.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:49:28-33

²⁸ Isaan kun hundinuu gosa Israa'el warra kudha lamaanii dha; abbaan isaanii tokko tokkoon eebba isaaniif ta'u yeroo isaan eebbisetti, wanti inni itti dubbates kana. ²⁹ Kana booddee Yaaqoob, “Ani gara saba kootti sassaabamuu ga'eera, isin abboota koo biratti holqa lafa Efron namicha biyya Heet sana keessatti na awwaalaa”! jedhee isaan ni abboome. ³⁰ Itti fufees, “Holqichi isa fuullee maamiree, maasii Makfelaa isa biyya Kana'aan keessaa Abrahaam, Efron namicha biyya Heeti sana irraa lafa awwaalaa akka ta'uuf bitee dha. ³¹ Abrahaamii fi haadha manaa isaa Saaraa achitti awwaalan; Yisihaqii fi haadha mana isaa Ribqaa achitti awwaalan; anis Liyaa achittan awwaale; ³² maasiin sunii fi holqi isa keessa jiru namoota biyya Heet irraa bitame”isaaniin jedhe. ³³ Yaaqoob yeroo ilmaan isaa gorfatee raawwatetti, miilla isaa siree irratti ol deebfatee, ni obbaafate, gara saba isaattis ni sassaabame.

49:29 “Gara saba kootti sassaabamuu ga'eera”kun du'aa fi awwaalaaf kan itti dhimma ba'amuu dha (25:8, 17; 35:29; 49:33; Lakk. 20:26; 27:13; 31:2; Kes. 32:50; Abbo. 2:10; II Mot. 22:20). Kun si'ol keessatti maatii waliin wal arguu kan ibsu ta'uu isaa qabatamaa miti. Tarii kun awwaalcha yookaan olqa awwaalchaa maatii kan argisiisu ta'uu danda'a. Garuu immoo waaqa tolfamaa tarafiimiinwaaqessuu irraa kan ka'e (31:19, 34, 35, irra isa jiruu mata duree addaa ilaali) innis ergaa guddaa qaba (Maat. 22:31-32).

Maree ifa ta'eedhaaf gaalee jireenya booddee ta'e agarsiisu *Hard Sayings of the Bible* fuula 127-129 tti ilaali.

▣ **“holqa”**kun awwaalcha abbootaa kan argisiisuu dha, innis isa namoota warra Heet irraa bitamee dha, Uuma. 23:1-19 irratti ibsameera. Maatiin kakuudhaa du’a booddee wal argu yaada jedhu qaba.

Yaaqoob akkaataa mul’ataa hin ta’iniin cimsee dubbata, kunis maatii isaas Gibxi akka hin turre, garuu yeroo ta’etti gara Kanaa’anitti akka deebi’an (15:12-21). Yoseefis 50:24-25, irratti gaaffii raajii wal fakkaatu dhiyeessee jira. Gibxi booda miidhaatti kan geddaramu, bakka turtii yeroof ta’uu dha.

49:31 “Ribqaa... Liyaa”kun awwala lamaan isaanii ilaalchisuudhaan kan dhiyaate isa jalqabaa ti. Akka warri Raabii jedhanitti haati isaa karaa cinatti awwaalamuusheetiif, Yoseef baay’ee gaabbeera ፩-፬፻፹፯, garuu immoo kun gosti warra Kaabaa akka booji’aman, raajii argisiisuu dha, Raahelis ilmaan isheetiif ni boossi, karaa cinatti waan awwaalanteef yeroo ilmaan ishee qabamanii achiin darban ilaaltee (Erm. 31:15).

49:33 “Miilla isaa siree irratti ol deebfatee”Yooqoob yeroo hedduu kan hin ciifne yoo ta’e, kun kan ta’uu danda’u ciisu isaa ti; kanaa achii kallattii du’aa kan argisiisuu dha. Achiis lubbuun isaa ni gaddi ti (boossi).

Gaaffiiwwan Maree

Kun qajeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan.

1. Yaaqoob maaliif Efreemii fi Minaase guddifate?
2. Fayidaan ilaalcha gar-sadee Waaqayyoo Uuma. 48:15-16 irra jiru fayidaan isaa maalii dha?
3. Eebbi danuun boqonnaa 49 irratti argamu isa Uuma. 29:30-30:24 irra jiru waliin akkamittiin wal simuu danda’a?
4. Ilmaan lamaan eebba isa caalu fudhatan eenyufaa dha, eebba akkamii akka ta’eedha kan nuti yaadannu?

Seera Uumamaa 50

HIKAA HAARAA KEEYYATAAN HIRUU IRRATTI HUNDAA'E

NASB	NKJV	NRSV	NET	NJB (Maatsiin hordofee)
Du'a Israa'el	Du'a Israa'eli fi	Du'a Israa'eli Fi	Du'a Israa'eli fi wwaala	Awwaala Yaaqoob
50:1-3	Awwaala (49:29-50:26)	Guyyoota Xumuraa Yoseef (49:29-50:26)	(49:29-50:14)	
50:4-6	50:1-3	50:1-3	50:1-3	50:1-3a
	50:4-11	50:1-3	50:4-5	50:3-6
50:7-11		50:4-6	50:6	50:7-9
Awwaala			50:7-9	50:10-11
Mitsiphaatti			50:10-11	50:12-13
50:12-14		50:7-14	50:12-14	50:14
	50:12-14		Yoseef Obboloota	
		50:15-21	isaatiif lammee	Du'a Yaaqoob irraa
	Yoseef Obboloota		mirkaneesseef	gara du'a Yooseef
50:15-21	isaatiif lammee		50:15-17	50:15-17
	mirkaneesseef		50:18	50:18-21
	50:15-21	50:22-23	50:19-21	
		50:24-26	Du'uu Yoseef	
Du'uu Yoseef			50:22-26	
50:22-26	Du'uu Yoseef			50:22-25
	50:22-26			50:26

DUBBISA MARSAA SADAFFAA (fuula vii irraa)

SADARKAA KEYYATAATTI YAADA BARREESSICHAA ISA JALQABARRA HORDOFUU

Kun qaleelfama qo'annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda'a. Tokkoon okkoon keenya akka nuuf ifeetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas hafurrii qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraaf dhiisuun sirra hin jiru.

Boqonnicha al tokkotti dubbisi. Gulummoowwan adda baafadhu. Hirmaa gulummoowwan keetii hiikaawwan haaraa shananiin madaali. Keeyyataan himuu dirqama miti, garuu yaada barreessichaa isa jalqabarra hordofuudhaaf furtoodha, kun immoo gidduu galeessa hiikichaati. Tokkoon tokkoon keeyyataa Gulummoo tokko qofa qaba.

1. Keyyata tokkooffaa
2. Keeyyata lammaffaa
3. Keyyata sadafaa
4. kkk

QO'ANNOO JECHAA FI GAALEE

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:50:1-3

¹Yoseef immoo Abbaa isaa irratti lafa dha'ee isa dhudhungatee isaaf boo'e. ²Yoseef eergasii hojjetoota isaa warra hojii qorichaa beekan, reeffa abbaa isaa qorichaan sukkuumanii akka gogsasaniif ni abboome; warri hojii qorichaa beekan sun reeffa Israa'el qorichaan sukkuumanii gogsan. ³Reeffa qorichaan sukkuumanii gogsuun guyyaa afurtama waan fudhatuuf, isaan guyyaa afurtamatti ni raawwataniif; warri Gibxiis guyyaa torbaatama isaaf boo'an.

50:1 Goochimich kan inni agarsiisu gosa gadda sadiidha. Du'aa wajjin kan walqabate.

1. Abbaa isaa duratti kufe BDB 656; KB 709; kan hin xumuramne 33:4wajjin walfakkaata.
2. Isa irratti boo'e BDB 113; KB 129; kan hin xumuramne.
3. Ni dhungate. BDB 676; KB 730; kan hin xumuramne

50:2 “Warra hojii qorichaa beekan”kun goochimichaa GOCHA AMMA OFIIN TA'AA JIRU (PRESENT ACTIVEPARTICIPLE) dha, goochimni “fayyisuu”jedhu, (BDB 950, KB 1272, 2 Seenaa 16:12). Ogeessoni beekumsa kafanuu qaban turan. Yoseef garuu itti gargaaramu kan filate warra hojii qoricha beekanitti, aadaa kafanuu kan Gibxootaa kan amataa wajjin wal qabatu gara duubaatti dhiisuudhaan. (NASB Study Bible, fuula. 73 ilaali). Yaaqoob eegameera, kunis bakka maatiin itti awwaalamanu Kana'aanitti awwaalamuudhaaf 49:29-32).

■ **“Reeffa qorichaan sukkuuman”**Goochimichi (BDB 334; KB 333; walitti qindoomina hin mortoofne) hiikini isaas “qimamii”; “qimqmii qopheesuu” (Weedduu weeddotaa 2:13); yookiin (reeffa qorichaan sukkuuman) dha. Inni kun karaa addaa ta'een aadaa warra Gibxootaati; Kakuu Moofaa keessatti bakka kana qofatti kan argamu. Innis waaqeffannaa wajjin walitti dhufeenya qaba; Osirisii wajjin (Dhaloota Kiristoos Dura 2700 jalqabe) akkasumas amantii warra Gibxootaatti jireenya booda irratti.

Innis kan inni agarsiisu

1. Qaama garaa keessaa baasuudhaan uuroo keessa kaa'uudhaan.
2. Yeroo boodaattis surrii (brain) addatti keessaa ba'ee uuroo keessa kaa'uudhaan.
3. Dhagnichi uffata addaa urgooftuun itti godhameen marama.

Reefa urgooftuudhaan sukkuumanii kaa'uu ilaallatee barreeffamni argamu kan Herodutusi qofa. *Sernaa* 2:85-90 fi Diodorus Siculus, *seeraa* 1. 91. Maree guutuudhaaf ABD, jildii. 2, fuula. 490-495, fi James M. Freeman, *Manners and Customs of the Bible*, fuula. 56-58. Ilaali.

Ibsi kun kara kamiinuu isa reeffa ittiin gogsa isa kan ammayya'e ni agarsiisa jechuu miti. Jarri isa kan amantii waliin walitti dhufeenya hin qaban. Inni kan warra Gibxoota amantii wajjin wal qabatee akka jiru. Baay'een akka tilmaamanutti Seera Uumamaa 3:19 irra kan jiru mal'attoon abarsaa amma hojii irra oola. An dhuunfaatti akkan amanutti haambaan nama irraa hafan (jechuunis dhagni namaa) amma kana kan fayyadan miti.

Mata duree adddaa: Gubuu

- I. Kakuu Moofaa
 - A. Gubuun Lewwoota keessatti, raawwii adaba du'aan nama adabsiisu arfan keessaa isa tokkoffaa dha; (20:14; 21:9; fakkeenya; Uuma. 28:24 fi Iya. 7:15;25). Firootni Saa'ol reeffa Saa'ol fi reeffa ilmaan isaa sadan, lafa Beniyaam irratti awwaluu isaaniin dura, biyya Filsxiyaatii fidanii guban (20:14; 21:9, fakkeenyaaf, Uma. 28:24 fi Iyyaasu. 7:15, 25)

- B. Beektota gidduutti wal dhabbee muraasatu jira; “gubuu”faallaa isaa “muuduu” dubbisa jedhu irratti. Kakuu Moofaa keessatti kun gubuu isa sirrii dha (*Encyclopedia Judaica*; jildii 5; fuula 1074). Innis immoo tarii an argisiisu quyyifa/ mi’eesituu (Spice) gubuu dha (2 Seen. 16:14; 21:19; Erm. 34:5).
- C. Booda irratti raajiin biyya Yihudaa sun, iddoo aarsaa irratti gubachuu lubootaa raajii dubbate (1 Mot. 13:2).
- D. Waa’ee gubachuu yeroo tokko tokko dogoggoraan abidda dheekkamsa waaqayyoo Kakuu Moofaa keessa jiru waliin wal qabata (Isay. 30:33). Gubuun akka jechamaatti (jechuunis; “jirma ittiin guban”) firdii badiisaa guyyaa dhumaa argisiisuudhaaf itti dhimma ni ba’ama.
- E. Awwaalchi biyya Baha dhiyoo ishee durii keessatti gocha beekamaa dha Roland deVaux, *Ancient Israel*, jildii 1; fuula 57). Gubuun akka salphisuutti ilaalama (Amos. 2:1).

II. Girikii fi Roomaa

- A. Biyyootni qaroomaa kun laamaanis ni gubu turan.
 - 1. Giriki; dhaabbatadhumaan (Sophocles, *Electra*, 1136-1139)
 - 2. Roomaa; ni geggeeffama ture; garuu kan beekame miti; akka filannootti Cicero, *Deleg* 2, 22, 56)
- B. Aadaan warra Mediteraaniyaa aadaa biyya Bahaa dhiyoo ishee durii caalaatti gubuu irratti ejjetnoo addaa qaba ture. Taasites akka ibsetti; warri Yihudootaa ni awwaalu malee hin guban (Seenaa 5. 5).

III. Yihudummaa Raabii

- A. Awwaalchi hedduun warra Raabii jedhan Kes. 21:23 keessatti ajajameera.
- B. Gubuun Taalmuud keessatti dhorkameera (Saanihi. 7:2;24b) fi *Mishna* (*Abodiah Zarah* 1. 3).
- C. Yihudummaa inni jabanaa; waai gubatan awwaala warra Yihudii keessa akka boqotan ni iyyama (*Encyclopedia Judaica*, ; jildii 5; fuula 1074).

IV. Kakuu Haaraa

Dhimma kana ilaalchisuudhaan Kakuu Haaraa keessatti wanti ibsame yookaan caqafame hin jiru. Namummaan foonii akka bakka boqonnaa yerootti ilaalama (2 Qor. 5). Namummaa moofaa keessaa, guyyaa dhumaatti amanaa waliin kan ta’u ni jira; garuu immoo ibsi tokko illee hin jiru (1 Tas. 4:13-18). Kun kiristiyaanotaaf dhimma “amantii fi mooxannoo”miti. Akka Yihudoota Kakuu Moofaa; amantootni Kakuu Haaraa du’aa ka’uutti ni amanu. Qaamni guyyaa dhumaa ni jira; garuu immoo attamittii fi maaliif akka ta’e adda hin bane! Haallii fi bakki namummaan foonii namatti hafe amantootni Kiristoos waliin akka wal hin argineef hin dhorku. Inni guddaan amantii Kiristoositti qabnuudha malee namummaa foonii miti lakk!

Mata duree addaa: Sirnoota awwaalchaa

I. Mesopotaamiyaa

- A. Nama gammaduuf du’a booddee awwaalchi barbaachisaa ta’e barbaachisaa dha.
- B. Abaarsa warra Mesopotaamiyaa keessaa fakkeenyaaf; “Lafti reeffa kee hin fudhatin”isa jedhuu dha.

II. Kakuu Moofaa

- A. Awwaalchi sirrii ta’e baay’ee barbaachisaa dha (Lalla. 6:3).
- B. Kan inni raawwatamus baay’ee ariitiidhaan (Saaraa Uuma. 23 fi Raahel Uuma. 35:19 fi Kes. 21:23 ilaali).
- C. Awwaalcha sirrii ta’e fudhachuu dhiisuun fakkeenya cubbuu ti.
 - 1. Kes. 28:26
 - 2. Isay. 14:20
 - 3. Erm. 8:2; 22:19
- D. Awwaalchi kan geggeeffamu hanga danda’ametti naannoo bihyyaatti, bakka awwaala maatii tti.
- E. Akka warra Gibxi reeffi dibataaf hin sukkuumamu. Namni biyyoo lafaa irraa waan dhufeef gara lafaatti deebi’uu qaba (Fakkeenyaaf; Uuma. 3:19; Faar. 103:14; 104:29).
- F. Yihudummaa Raabii keessatti reeffaaf ulfinaa fi qabaa gaarii ta’ee fi namummaa du’e balfuu (ulfina dhowwachuu) gidduu madaallii kaa’uun rakkisaa ture.

III. Kakuu Haraa

- A. Awwaalchi kan raawwatamu akkuma namni u'een; hedduminaan sa'a 24 keessatti. Yihudootni awwaal guyyoota sadiif ni eegu; akka haala biyyaa sanaatti lubbuun foonitti deebitee ka'uu danda'ama amantii jedhuu irraa ka'uudhaan (Yoh. 11:39).
- B. Awwaalchi qulqullummaa reeffaa fi summii gogsu itti naqanii kafanuu hunda qabata (Yoh. 11:44; 19:39-40).
- C. Jaarraa tokkoffaa keessa warri Filsxiyaa sirna awwaalchaa aada ta'e kan warra Yihudotaas ta'e kan Kiristiyaanotaa hin qaban.

50:3 “Guyyaa afurtama”afurtama lakkoobsi jedhu (BDB 917) hiikni isaa kallattii yookaan fakkeenya ta'uu ni danda'a. Warri Ibr geggeessitoota biyaatiif kan isaan gaddan guyyaa soddoma (30) qofa (Lakk. 20:29; Kes. 34:8). Innis fakkeenyummaa kabajaa ti.

▣ **“Guyyaa torbaatama”**Yaaqoobif kan ta'e awwaalcha mootummaa ti. Faraa'on iyyuu guyyoota torbaatamii lamaaf (72) gaddeera (nama Giriki nama seenaa; Daayyoodoros [1. 72]). Warri Gibxi Yaaqoobiif kan isaan gaddaniif kabja Yosefiif qaba irraa kan ka'ee dha.

Mata duree addaa: Lakkoobsota fakkeenya caaffata Qolqqullaa'oo keessatti

- A. Lakkoobsotni tokko tokko akka fakkeenya fi lakkoobsaatti fayyadu :
 1. Tokko (1) — Waaqayyo (Fakkeenya; Kes. 6:4; Efe. 4:4-6)
 2. Ja'a (6) — Guutuu fi hirruu ta'uu namaa (Torba irraa yeroo tokko hirratu; fakkeenya; Ibro. 13:18)
 3. Torba (7) — Mudaa kan hin qabne ta'uu Waaqayyoo (guyyoota uumamaa turban). Fayyadama fakkeenyaIbr irra jiruu ilaali.
 - a. Baattuu ibsaa torban; 1:12;20; 2:1
 - b. Urjoota torban; 1:16;20; 2:1
 - c. Waldoota torban; 1:20
 - d. Ergamoota Waaqayyoo torban; 3:1; 4:5; 5:6
 - e. Ibsoota torban; 4:5
 - f. Mallattoowwan torban; 5:1;5
 - g. Gaanfota torbaa fi ija torba; 5:6
 - h. ergamoota torban; 8:2;6; 15:1;6;7;8; 16:1; 17:1
 - i. Malakata torban; 8:2;6
 - j. Qaqawwee torban; 10:3;4
 - k. Kuma torba; 11:13
 - l. Mataawwan torba; 13:1; 17:3;7;9
 - m. Dha'icha torba; 15:1;6;8; 21:9
 - n. Waciitiiwwan torban; 15:7
 - o. Mootota torban; 17:10
 - p. Waaciitii torban; 21:9
 4. Kudhan — guutuu ta'uu
 - a. Wangeela keessatti itti fayyadama isaanii:
 - (1) Maat. 20:24; 25:1;28
 - (2) Maar. 10:41
 - (3) Luq. 14:31; 15:8; 17:12;17; 19:13;16;17;24; 25
 - b. Ibr keessatti itti fayyadama isaanii:
 - (1) 2:10; Qorumsa guyyaa kudhanii
 - (2) 12:3; 17:3;7;12;16; gaanfota torba
 - (3) 13:1; Gonfoowwan torban
 - c. Baayyataa kudhanii (multiples of ten) Ibr keessatti:

- (1) 144, 000+12×12×1, 000; 7:4; 14:1;3
 (2) 1, 000= 10×10×10; 20:2;3;6
5. Kudha lama— Dhaabbata namaa
- Ilmaan Yaaqoon kudha-lamaan (jechuunis; gosoota Israa’el kudha-lamaan; Uuma. 35:22; 49:28)
 - Utubaawwan kudha-lamaan; Ba’u. 24:4
 - Dhagoota kudha-lamaan; morma angafa lubaatti kan rarraafamu; Ba’u. 28:21; 39:14
 - Buddeena ilaalchaa kudha-lamaan; barcuma iddoo qulqullqq’aa irra kan kaa’aman (gosootni kudha-lamaan soortuu ta’uu isaanii fakkeenyaan kan ibsu); Leww. 24:5; Ba’u. 25:30
 - Warreen gaadduu kudha-lamaan; Kes. 1:23; Iya. 3:22; 4:2;3;4;8;9;20
 - Ergamoota kudha-lamaan; Maat. 10:1
 - Ibr irratti itti fayyadama isaa:
 - Kuma kudha-lamaan warreen mallatteeffaman; 7:5-8
 - Urjoota kudha-lamaan; 12:1
 - Balbaloota kudha-lamaan; ergamoota kudha-lamaan; gosoota kudha-lamaan; 21:12
 - Dhagaawwan bu’uuraa kudha-lamaan; maqaa ergamoota kudha-lamaanii; 21:14
 - Bal’naa fi dheerina Yerusaaalem ishee haaraa; 21:16
 - Balbaloota kudha-lamaan dhagoota kudha-lamaan irraa kan hojjetaman; 21:12
 - Kudha-lamaan ija muka jireenya kennu; 22:2
6. Afurtama (40) —Lakkoobsa yeroo:
- Yeroo tokko tokko kallattiidhaan (Ba’uu fi joormaa lafa onaa; Fakkeenyaaf Ba’u. 16:35); Kes. 2:7; 8:2
 - Kallattiidhaan yookaan fakkeenya ta’uu ni danda’a
 - Bishaan badiisaa; Uuma. 7:4;17; 8:6
 - Musee gaara Siinaa irratti; Ba’u. 24:18; 34:28; Kes. 9:9;11;18;25
 - Qoodama jireenya Musee:
 - Waggaa afurtama Gibxiti
 - Waggaa afurtama lafa onaatti
 - Waggaa afurtama Israa’eliin geggeessuutti
 - Yesuus guyyaa afurtama tsoome (laguudhaan ture); Maat. 4:2; Maar. 1:13; Luq. 4:2
 - (Akka Ibratti) akkaataa heddummina yeroo lakkoobsi kun itti mul’atuutti Macaafni qulqulluun addaan baasuu isaa hubadhu!
7. Tobaatama — Sabaaf lakkoobsa waliigalaa:
- Israa’el; Ba’u. 1:5
 - Maanguddoota torbaatama; Ba’u. 24:1;9
 - Yeroo raawwii; Dani. 9:2;24
 - Garee ergamtootaa; Luq. 10:1;17
 - Dhiifama (70×7); Maat. 18:22
- B. Luqqisii irra wayyan
- John J. Davis, *Biblical Numerology*
 2. D. Brent Sandy, *Plowshares and Pruning Hooks*

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:50:4-6

⁴Guyyoon isaaf itti boo’an raawwatamnaan, Yoseef gurguddoota mana mootichaa, “Faara tolaadhaan na ilaaltu yoo taatan, dubbii ani isintti himadhu kanaa gura mootichaa biraan anaaf ga’aa!⁵ Abbaan koo utuu hin du’in, biyya Kana’aanitti iddoo ani awwaalaaf qopheeffadhe sanatti ana awwaali!jedhee akkan kana godhuufis na kaksiiseera; kanaaf adaraa, ol ba’ee abbaa koo awwaalee nan deebi’a jedheera, jedaatii anaaf himaa!”jedhe. ⁶ Yommus mootiin Gibxi, “Akkuma ini si kaksiifatetti ol ba’ii abbaa kee awwaalladhu!”jedheen.

50:4 “Faara tolaadhaan na ilaaltu yoo taatan”kun jecha mirkaneessuu ti (18:3; 47:29; Ba’u. 33:13).

Akkaataan dubbatnaa kun akka inni gad-aanaan nama isaan oliitti dubbatuu dha (jechuunis; Ruut 2:13). Asitti Yoseef Faraa’ onitti ulfina argisiisuu isaa ti.

50:5-6 lakk. 5 irratti Yoseef waadaa sana fudhata (BDB 989; KB 1396; *Hiphil* PERFECTS, lakk. 5;6) abbaa isaa Yaaqoobiif (lakk. 1;2) deebi’uudhaaf waadaa seena (lakk. 3).

1. Deemuu; BDB 748; KB 828; kan hin raawwatamin dabalataaf kan gale
2. Na awwaali; BDB 868, KB 1064, *Qal* COHORTATIVE
3. Nan deebia’a; BDB 996, KB 1427, *Qal* COHORTATIVE

lakk. 6 irratti waadaa sana waliin wal qabatee, Faraa’ on gaaffii isaatiif deebii kenneera.

1. Ba’i; *Qal* IMPERATIVE
2. Awwaali; *Qal* IMPERATIVE

50:5 “Qotuu”rabbinical Midrash (Peshitta fi REV) jecha kana kan bakka buusu “bite”isa jedhuun (Uma. 23:17-20; 47:27-31; 49:29-32). Hundeen jechichaa inni kanWarra Ibrootaa lamaanuu tokkuma

1. Qotuu; BDB 500 I; 26:25; Lakk. 21:18
2. Bituu; BDB 500 II; Kes. 2:6

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:50:7-14

⁷ Kana irratti Yoseef reeffa abbaa isaa awwaaluudhaaf fuudhee ol ba’e; maangoddootni hojii mana mootichaa irra jiran hundinuu, maangoddootni biyya Gibxi hundinuu isaa wajjin ol ba’an. ⁸ Akkasumas warri mana Yoseef, obbolootni isaa, warri mana abbaa isaas hundinuu duukaa ol ba’an; isaan ijoollee duwwaa bushaayee fi saawwan biratti biyya Gooshenitti hambisan. ⁹ Akkasuma immoo konkolaattonni, kotte duudaadhaan arkifaman, abboonni fardeniis isaa wajjin ol ba’an; kutatni warra wajjin ol ba’ani sun baay’ee guddaa ture. ¹⁰ Isaan laga Yordaanos gama oobdii Axaad bira ga’anii, achitti boo’icha ulfaataa cimsanii boo’an; Yoseef achitti guyyaa torba abbaa isaaf ni boossise. ¹¹ Warri biyya Kana’aan keessa ta’an boo’icha namootni oobdii Axaad iraa boo’an arganii, “Warri Gibxii boo’icha guddaa isaa boo’utti jiru” waliin jedhan; kanaaf iddoo sana “Abeel-miizraayim” jedhanii moggaasan; iddoon sun laga Yordaanos gamatti argama. ¹² Yommus ilmaan Yaaqoob akkuma inni isaan abboome ni godhan. ¹³ Ilmaan isaa biyya Kana’aanitti geessanii, holqa maasii Makfela keessatti awwaalan; maasii isaa fuulee Mamiree jiru kana Abrahaamtu lafa awwaalaa akka ta’uuf Efron namicha biyya Heet irraa bitee ture. ¹⁴ Yoseef reeffa abbaa isaa erga awwaalee booddee, obboloota isaa fi warra awwaala abbaa isaaf isa duukaa ol ba’an hundumaa wajjin biyya Gibxitti ni deebi’e.

50:7-8, lakk. 7-8 Kana’aanitti sirni awwaalchaa attamii akka geggeeffamame kan argisiisanii dha.

1. Yoseef
2. Hojjetoota Fara’oon
3. Maanguddoota mana isaa jiran
4. Maanguddoota biyya Gibxi
5. Maatii Yoseef
6. Obboloota Yoseef
7. Maatii Yaaqoob
8. Raayyaa waraanaa warra dubaan tumsan; lakk. 9

Lakk. 9 raayyaa waraanaa warra dubaan tumsan kan argisiisuu dha. Innis immoo karaa Fara’ on ta’uu ni danda’a; bulchaan/gorsaan filatamaa ta’e akka deebi’u gochuuf kan mirkaneessu.

50:8 “Isaan ijoollee duwwaa bushaayee fi saawwan biratti biyya Gooshenitti hambisan”kunis deebi’uu isaanii mirkaneessuuf jecha!

☐ “biyya Gooshenitti”yaadannoo 45:10 fi 46:28 irra jiru ilaali.

50:10 “**Axaad**”kun kallattiidhaan “Qoraattii”dha (BDB 31). Warri Raabii inni dallaa mana marsee jiruudhaa jedhu. Bakki kun hin beekamu. Akka Jeerom jedhutti bakki kun cina Iyyaarkoo ti. Innis bakka sirna gaddaa itti raawwatan yeroo ta’u bakka awwaalchaa ta’uu dhiisuu ni danda’a!

☐ Gaddi isaanii cimaa akka ta’e kan mul’ate

1. Bakki isaan itti gaddan achi
2. Akkaataa baay’ee ulfaataa ta’een
3. Gaddaan kan guuteen
4. Faaruu gaddaatiin
5. Olmaa guyyaa torbaaf
6. lakk. 11 qalbifadhu

☐ “**Yordaanos gama**”gaaleen kun; “bittaa keessa” (BDB 81 CONSTRUCT BDB 719 I, lakk. . 11); daangaa laga Bahaa yookaan laga dhihaa ta’uu isaa hin argisiisu. Innis kan murtaa’u bakka nama dubbatuu sanaan.

50:11 Kun galumsa jechaati “Abel”jecha jedhuuf (BDB 5 II); hiikni isaas “dirree marga qabuu”dha (kallattiidhaan; “margi lalisaan kan itti biqilu”); fi “Abel” (BDB 5 I); hiikni isaas “golee”dha (AB filannoo sadaffaa kaa’eera; “karaa bishaanni ittiin deemu;”fuula 376).

50:12-14 Kun waadaa Yaaqoobiif galan walii galatti kan ibsuu dha.

50:13 “**Holqa**”holqi kun isa 23:16-20 keessati caqafamee dha.

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:50:15-21

¹⁵ Obbolloonni Yoseef erga abbaan isaanii du’ee yaadda’anii, “Yoseef haaloo qabatee, isa nuyi hamaa isa irratti hojjetne hundumaaf ijaa nu baafata ta’aa”jedhan. ¹⁶ Isaan Yoseefitti erganii, “Abbaan kee utuu hin du’in nu abboomee, ¹⁷ ‘maalloo, isa obb lootni kee sitti balleessan, hamaa si irratti hojjechuudhaanis isa si yaakkanis, isaaniif dhiisi!’jedhaatii Yoseefitti himaa!”nuun jedhe; “Ammas immoo obb lootni kee, ’irra dardarbaa garboota Waaqayyo isa kan abbaa keetii, adaraa nuuf dhiisi!’ siin jedhaniiru”jedhan; Yoseef ergaa isaanii yommuu dhaga’e ni boo’e. ¹⁸ Obb lootni isaas dhufanii miilla isaatti kufanii, “Kunoo, nuyi siif garboota ni taana!”jedhan. ¹⁹ Yoseef immoo isaaniin, “Hin sodatinaa!Anatu iddoo Waaqayyootti ilaalamaaree? ²⁰ Isin hamaa ana irratti akeektan, Waaqayyo garuu gaariidhaaf isa yaade; inni lubbuu namota baay’ee oolchuudhaaf, akka amma ta’ee jiru kana godhe. ²¹ Amma immoo isin, ijoolleen keessanis waan barbaachisu akka argatan ani nan godhaa, hin sodaatinaa!”jedhe; inni dubbii garaa isaan ciibsu isaanitti dubbatee, isaan jajjabeesse.

50:15 bakki ulfaatinni yaada obboleewwan sanaa itti mul’ate

1. Gochim kun “Miira hin taane qabaachuu” (BDB 966; KB 1316); duratti esaawuudhaaf dhimma itti ba’ameera (27:41) akka ragaatti 49:23 irra jira. Akkasumas immooIyo. 16:9; 30:21 keessatti itti dhimma ba’ameera. Innis gochima baay’ee cimaa dha.
2. Gaalichi “dugda nu ba’a ta’a;”innis *Hiphil* INFINITIVE ABSOLUTE fi *Hiphil* IMPERFECT in raawwatin hundee wal fakkaataa irraa (BDB 996; KB 1427).

50:16-17 Kunis Yaaqoob keessaa waan hin beekamin kan beeksisuu dha; innis obboleewwan sun ulfina Yoseef mirkaneessuudhaaf kan isaan dubbatan.

50:17 Gochim kun sadarkaa ibsa amantii Yaaqoob isa lakk. 19-20 jiru kan kaa’uu dha;. Sodaa fi dhiifama barbaaduun obboleewwan sanaa kan argamuu danda’u

1. Adaraa kee dhiifama godhi; BDB 609, KB 724, *Qal* IMPERATIVE
2. Sin kadhada (NASB isa baballate)
3. Daddarbaa fi cubbuu obb lootni kee (37:18-28)
4. (Nuti) yakka raawwatneera
5. Adaraa yakka keenya nuuf dhiisi
6. lakk. 18

Gaaffii isaaniitiif sababa ga'aa kan ture

1. Jecha Yaaqoob; lakk. 16-17
2. Isaan hojjetoota Waaqayyo isa kan Yaaqoob; lakk. 17

50:19

NASB ; NKJV;

NRSV

TEV

NJB

LXX

TEV

JPSOA

“Anatu iddoo Waaqayyoo ti”

“Ani ofii koo iddoo Waaqayyoo kaa’uu nan danda’aa”

“Ofii koo iddoo Waaqayyoo kaa’uun ana irra jiraa”

“Ani Waaqayyo keessaa”

“Ani hojjetaa Waaqayyoo ti”

“Ani qooda (bakka bu’aa) Waaqayyoo ti”

Kun akkaataa dubbatnaa Yoseef; kunis akkaataa inni itti ofii isaa ilaale; tooftaan Waaqayyoo maatii Abrahaam eeguudhaaf, dhagna taasissee ti (45:5-15; Faar. 105:16-24)! Kanas immoo lakk. 20 irratti ibseera. Ofii isaa akka nama aboo qabuutti hin ilaalle; Waaqayyo qofaadha kan kana gochuu danda’u! Gaaffichi Warra Ibrootaatti deebii “kamiin iyyuu”hin argatu. Kunis ibsi wal fakkaataan 30:2 irratti ni argama.

50:20 “Isin hamaa ana irratti akeekatan”Yoseef yakka obolaa isaatii irra dibee hin dhoksine; garuu immoo naannoo jireenya isaatiitti, “harka hin argamne”isa kan Waaqayyoo argee jira! Amantiidhaan “harka hin argamne”jierrnya keenya keessatti utuu hubachuu dandeenyee!

Barreeffama wayyuuf;Waaqayyo cubbuu namootaa kaayyoo ofii isaatii raawwachiisuuf akka taasisu; Miilaard Iriksen; Barumsa Macaafa Qulqulluu kan kiristiyaanaa; Maxxansa 2^a; fuula 425-426 ilaali.

☐ **“Waaqayyo garuu gaariidhaaf isa yaade”**kun Rom. 8:28-29 isa jiruuf hiika gaarii dha.

50:21 Yoseef maatii isaatiif maal akka godhu itti hime.

1. Hin sodaatinaa; BDB 431, KB 432, *Qal* IMPERFECT bifa jabeessuutiin kan gale; akka lakk. 19
2. Ani isiniifan kenna; BDB 465; KB 463; *Pilpel* IMPERFECT; 45:11; 47:12
3. Ilmaan keessaniifis nan kenna; BDB 465; KB 463; *Pilpel* IMPERFECT; 45:11; 47:12
4. Innis isaan jajjabeesse; BDB 836; KB 688; *Pilpel* IMPERFECT
5. Jecha nama gammachiisuun isaanitti dubbate (kallattiidhaan; “yaada garaa isaaniitti dubbate;” 34:3; Abbo. 19:3; Ruut 2:13)

Macaafa Qulqulluu Hiika Haaraa:50:22-26

²² Yoseefii fi maatiin abbaa isaatii biyya Gibxii ni taa’an; yoseef wggaa dhibbaa fi kudhan jiraate. ²³ Inni ijoollee efreem amma dhaloota sadii’iitti ni arge; akasuma immoo ijoollee MKakuu Haaraar ilma Minaasee ijoollee ofii dhalchetti lakkaa’ate. ²⁴ Yoseef yommu obboloota isaatiin, “Ani du’uufan jedha; Waaqayyo garuu isin ni yaadata, biyya kana keessaa gara biyya isa Abrahaam, Yisihaq, Yaaqoobiif kennuuf kakatetti ol isin nan baasa”jedhe. ²⁵ Yoseef ammas ilmaan israa’elin, “Waaqayyo yommu isin yaadatu, lafee koo asii fuutanii akka ol baatan anaaf kakadhaa!”jedhe. ²⁶ Yoseef nama waggaa dhibbaa fi kudhanii yeroo ta’etti ni du’e; namootnis reeffa isaa qorichaan sukkumanii gogsanii, biyya Gibxitti bidiruu addaan miidhekfamee reeffa keessa ciibsuudhaaf hojjetame keessa ni kaa’an.

50:22 “Waggaa dhibbaa fi kudhan”bar asana seera barreeffama warra Gibxi keessatti, kun umuri sirrii dha.

50:23 “MKakuu Haaraar” Iya. 17:1 fi Abbo. 5:14 ilaali. Maqaan isaa tarii “daldala”yookaan “gatii”waliin hundee wal fakkaatuu dha (BDB 569).

☐ **“Gudeeda Yoseef irratti dhalatan”**kun kallattiidhaan akka hin fudhatamne ifaa dha. Innis jecha aadaa fayidaaf itti dhimma ba’amani dha (Biyya Baha dhiyoo ishee durii) ijoollee guddisaaf kan dhimma itti ba’amuu dha (30:3; 48:12) yookaan nama tokko akka maatiitti fudhachuudhaaf.

50:24 “Waaqayyo garuu isin ni yaadata”Yoseef kakuu Waaqayyoo amaneera; maatii Abrahaamiif kunuunsi akka ta’u (Uuma. 15:16)! Yoseef meeshaa waaqayyoo ture; garuu immoo erga inni jireenya kanattii obbaafatee, Waaqayyo kanneen biraa kaaseera (jechuunis; Musee; Haaron; Iyaasuu; kanneen biroos).

Jechi Yoseef gochima hin murtaa’in raawwatamee fi kan hin raawwataminiin kan hundaa’ee dha; hundee wal fakkaataa irraa (BDB 823; KB 955; kallattiidhaan; “yaadatamuu;”kan dhimma itti ba’ames argamuu fi kunuunsa Waaqayyootiif akkaataa adda ta’eenii dha; Ba’u. 3:16; 4:31; Ruut 1:6; Sefan. 2:7). Bifa akkasiitiin lakk. 24:25 irratti ni argama!

50:25 “lafee koo asii fuutanii akka ol baatan”biyya abdiis isaaniitti akka deebi’an baree jira; kanaaf innis akka achitti awwaalamu barbaadeera; akkuma abbaa isaatii (Ba’u. 13:19; Iya. 24:32).

50:26 “Bidiruu awwaalchaa”jechi kun (BDB 75) agarsiisuu kan danda’u

1. Bidiruu kakuu (jechuunis; Ba’u. 25:22; 26:33; 30:6; Lakk. 10:33; Kes. 10:8; 31:9; Iya 3:3); bidiruu bifa amantiitiin qulqullaa’aa ta’e
2. Bidiruu reeffaa; kutaa kana qofa keessatti (Israa’eloonni bidiruu reeffaa hin fayyadaman)
3. Bidiruu cufaa qabu; horii keessa kaa’uudhaaf (jechuunis; 2 Mot. 12:10; II Seen. 24:8;10;11)

Jechi inni biraan yeroo Ingiliffaan hiikamu “Saanduqa kakuu”yeroo ta’u (BDB 1061) kan inni argisiisus

1. Bidiruu Nohi (jecuunis; Uuma. 6:14)
2. Bidiruu dhallaadduu irraa hojjetame, Museen ittiin bishaan irratti gatame (jechuunis; Ba’u. 2:3)

GAAFFIIWWAN MAREE

Kun qajeelfama qo’annaa Macaafa Qulqulluuti, kana jechuun namni tokko Macaafa Qulqulluudhaaf hiikaa mataa ofii laachuu ni danda’a, tokkoon tokkoon keenya akkanuuf ifetti adeemuu qabna. Ati, Macaafni Qulqulluun, akkasumas Hafuuri qulqulluun hiikaa laachuu keessatti qooda isa jalqabarra qabdu. Kanas yaada nama biraatiif dhiisuun sirra hin jiru.


Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan dhimmoota gurguddaa kutaa Macaafa kana keessatti ibsaman keessa deebitee akka ati yaadattuufi. Gaaffiileen kun yaada kaasu malee, ibsa irratti hin laatan.

1. Maaliif Yaaqoobiif sirni awwaalchaa moototaaf ta’u biyya Gibxitti isaaf godhame?
2. Obbolaan Yoseef maaliif amanuu hin dandeenye?
3. lakk. 19-20 yeroo 45:5-15 waliin wal bira qabamu maaliif baay’ee fayida qabeessa ta’e?

ITTI DABALATA TOKKOFFA

APPENDIX ONE

**CAATTOO (CHART) GUUTUMMAA KAKUU MOOFAA FUULA ITTANU
IRRAA ARGATTU**



Yeroo isaa itti ta'e tilmamuun kan hin danda'amne (Seera Uumamaa 1-11)

1. Uumaama (Ser Uum. 1-2)
2. Kufaatii namaa (Uma. . 3)
3. badiisaa bara Nohi (Uma. . 6-9)
4. Riqicha Baabiloon (Uma. . 10-11)

Yeroo ta'umsa tokko tokkoo

1. Bara Abootaa (Uma. . 12-50 fi Job) 2000 DH. K. DURA
2. Gibxiidhaa Ba'uu (Ba'u) 1445 or 1290 DH. K. DURA
3. Kanaa'anii qabachuu (Iyaasu) 1440 or 1250 DH. K. DURA
4. Bittaa Mootumma Waligalaa (Saa'ol, Daawiit, Solomon)1000 DH. K. DURA
5. Mootummaan bakka lamatti qoodame (Rehoboam-Yeroboam I) 922 DH. K. DURA
6. Samaariyaan kufuu (Israa'el) gara Assyria 722 DH. K. DURA
7. Yerusaaaleem Diigamuu (Yihudaan) gara Baabiloon 586 DH. K. DURA
8. Labsii Qiirros (Persia) akka deebi'an 538 DH. K. DURA
9. Manni Qulqulluun deebi'ee ijaarame 516 DH. K. DURA
10. Cufamuu bara Kakuu Mofaa (Malachi) 430 DH. K. DURA

Maqoota Moototaa

A. Mootummaa tokkummaa D. Assyria

1. Sa'ool (a) 1. Tiglath Pileser III (745-727)
2. Dawiit (b) 2. Shalmanesar V (727-722)
3. Solomon (c) 3. Sargon II (722-705)

4. Sennacherib (705-681)

B. Israa'el

1. Yeroobi'am I (e) 5. Esarhaddon (681-669)
2. Akaab (f) 6. Ashurbanipal (669-663)
3. Yeroobi'am II (g)
E. Baabiloon

C. Judah

1. Nabopolasar (626-605)
1. Rehoboam (d) 2. Nebuchadnezzar (605-562)
2. Uzziah (h) 3. Nabonidus (556-539)
3. Hezekiah (i) 4. Belshazzar
4. Manasseh (j)
5. Josiah (k) F. Persia
6. Jehoahaz (l)
7. Jehoiakim (m) 1. Cyrus II (550-530)
8. Cambees II (530-522) 2. Cambees II (530-522)
9. Jehoiachin (n) 3. Darius I (522-486)
10. Gedaliah (p) 4. Xerxes I (486-465) 5. Artaxerxes I (465-424)

BEEKSISA AMNTII

Ani hundumaan olitti waa'ee ibsa ejjennoo amntiif dhimma hin qabu. Ani Kitaaba Qulqulluu mataa isaa mirkaneeffachuun filadha. Garuu ibisi aejjennoo amantii kootii jarreen ilaalcha barsiisa kootii qorachuu arbaadaniidhaaf karaa akka agarsiisu nan amana. Bara keenyatti dogoggorsii fi gowwomsaan barnoota amantiiheedduun ni jiru, armaan gaditti goollabbiin barnoota amantii kooti ni argamu.

1. Macaafini Qulqulluun lachanuu Kakuu Haaraanii fi Kakuu Moofaan, kan hafuura Waaqayyoon dhufan, kanhin kufine, abo qabeessa, sagalee Waaqayyoo jiraataadha. Inni karaa Waaqayyoo ofii isaa mullise namootaan kan barreeffame geggeessaa sammuu namaa oliitiin. Inni waa'ee Waaqayyoo fi kaayyoo isaaf dhugaa qulqulluudha. Inni ammas dabalataan amantiitif madda tokkicha fi Waldaa isaatiif shaakala.

2. Baraa tokkotu jira. Inni uumaa kan argamanuu fii hin argamnee waan hundumaati. Inni ofii isaa kanmullise akka jaallataa fi kunuunsaatti ta'us inni dabalataan dhugaa fi sirriidha. Inni karaa sadiin of mulise:Abbaa, Imaa fi Hafuura Qulqulluu, kan gara gara ta'an garuu Waaqayyoo tokkicha.

3. Waaqayyoo biyya lafaa kana amma eegaa jira. Uumama isaaf kaayyoo hin jijjiramne bara baraa fi akkasuma dhuunfaatti fedhii ilma namaa hayyamu irratti kan xiyyeeffate lammantu jira. Hayyama fi beekumsaa Waaqayyoo malee humtuu hin ta'u. Ammayyuu filannoo dhuunfaa namaa fi ergamootaaf ni hayyama. Yesus nama Waaqayyoon filatamedha akkasuma immo hundumtuu isaan filatamuu. Waaqayyoo waantota ta'an duraan dursee beekuun isaa utuu humtuu hin barreeffammin dursee fedhii namootaa gad hin hirrisu. Hundi keenya waan hokjjennee fi dubbanneef itti gaafatamummaa qabna.

4. Ilmi namaa, bifa Waaqayyootii fi cubbuu malee uumamu illee, Waaqayyoo irratti finciluu filate. Ta'us karaa uumamann gararraa ta'een qorame, Addaamiif Hewaan ofii isaaniitiin kan filataniif itti gaafatamummaa qabu turan. Fincili isaanii namummaa fi uumama irratti rakkoo fide. Hundi keenya haala walii galtee keenyaa karaa Addamii fi fincila fedhii keenyaaf dhuunfaatiif araraara fi ayyaana Waaqayyoo nu barbaachisa.

5. Waaqayyoo namummaa kufeef karaa dhiifamaa fi haarominaa qopheesse. Gooftaan Yesuus ilmi addaa Waaqayyoo nama ta'e, jireenya cubbu maleeyyii jiraate, karaa du'a bakka bu'iinsaatiin, gatii cubbu ilma namaa kaffale. Inni haaromina tokkummaa Waaqayyoo wajjiniitiif karaa isa tokkicha. Karaan fayyinaa kan biraa hin jiru hojii inni xumuretti amanuun malee.

6. Tokkoon tokkoon keenya dhuunfaa keenyaatti kenna dhiifamaa Waaqayyoo fi haaromina Yesuusiin arganne. Kun kan inni raawwatame karaa fedhii mataa keenyaatiin abdi Waaqayyoo karaa Kiristoosiitti amanuudhaa fi cubbuu beekamaa irraa fedhii guutuudhaan deebi'udhaa.

7. Hundumti keenya gutummaa guutuutti dhiifama arganneerra Kiristoositti amanachuu keenyaa fi cubbuu keenya irraa deebi'udhaan. Garuu kun walitti dhufeenyi haaraan kun kan ittiin ilaalamu jijjiiraa fi jijjiirama jireenyaatiin. Galmi Waaqayyoo namummaadhaf qabu gaaf tokko Samii irratti qofa miti, amma Kiristoosiin fakkaachuudha. Jarreen dhugumaan fayyan, darbee darbee cubbuu ni hojjetu, amantii tti fi qalbii diddiirachuu bara jireenya isaanii ittuma fufu.

8. Hafuurri Qulqulluun "Yesuus kan biraa" Inni warra badan gara Kiristoositti fiduu fi jireenya Kiristoos fakkaatu warra fayyan keessatti guddisuudhaaf biyya lafaa kana keessa jira. Kenna hafuura yeroo fayyinaa kennamu. Jarri jireenyaaf tajaajila isaa dhagna isaa, waldaa kiristaanaa gidduutti. Kennaawwan jalqabumaan iyyuu amalaa fi fedhiin Yesuus kan kaka'uu barbaachisan firii hafuuraatiin. Hafirichi akkuma bara Kitaaba Qulqulluu turetti bara keenyattis hojii irra jira.

9. Waaqayyoo abbaan Yesuus Kiristoos isa du'aa kaafame waan hundumaa irratti abbaa firdii isa taasise. Nama hunduma irratti firdii kennuudhaaf inni gara biyya lafaatti deebi'ee dhufa. Jarreen Yesusitti amananii fi maqaan isaanii galmee kitaaba jireenyaa isa kan Hoolichaa irratti barreeffame yeroo inni deebi'ee dhufu dhagna isaanii isa ulfina qabeessa argatu. Isaa wajjin bara baraan ta'u. Garuu jarreen dhugaa Waaqayyootiif deebii laachuu didan gammachuudhaaf walitti dhufeenya Sadan Waaqa tokkichaa (Trinity)tti bara hanga bara baraatti gar gar ba'u. Seexaanaa fi ergamoota isaa wajjin asabamu. Kun dhugumaan guutuu fi of eeggannoodhaan waan hojjetame miti. Garuu inni kun dhandhama barumsa kan hafuraa isa garaa koo irraa akka siif kennu nan abdadha. Ani hima kana nan jaalladha.

"Barbaachisoo irratti - tokkummaa, waan hin barbaachisne irratti - filannoo, karaa hundumaan- jaalala."